***<u>ATI</u> MACAAFA QULQULLUU HUBACHUU NI DANDEESSAA!***

# Wangeela Phaawloos Barreesse:

# Roomaa

BOB UTLEY

Profeesora Hermenetiksii

(Hiika Macaafa Qulqulluu)

*QAJEELEFAMA IBSITUU QO'ANNOO WALITTI FUFIINSAA*

*KAKUU HAARAA, Jildii 5*

BIBLE LESSONS INTERNATIONAL, MARSHALL, TEXAS

1998

Kan irra deeb'ee ilaalme 2010

Mirga garagalchuu©1998 Bible Lesson Internationaliidha, Marshall Texas (kan irra deebi'amee ilaalame 2010) Mirgi Qopheessaa Seeraan Kan Eegame. Kutaa Kitaaba kanaa keessaa ksmi illee karraa kamiinuu yookiin haala kamiinuu hin baay'atu hayyama barreeffamaan deeggarame kan isa maxxansiisee male.

Bible Lesson International
P. O. Box 1289
Marshall, TX75671-1289
1-800-785-1005

ISBN 978-0-9661098-3-2

Ibsituu kana keessaatti waraabbiin Kitaaba Qulqulluu kan fayidaa irraa oolan:

New American Standard Bible (Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaa 1995)
Mirga garagalchuu©1960, 1962, 1963, 1968, 1971, 1972, 1973, 1975, 1977, 1995 tti Dhaabbata Lockmaniin
P. O. Box 2279
La Habra, CA 90632-2279

Keeyyata kana kan addaan hiruu fi goollabbiin gara jalaatti kan barreeffaman akkasumas gaaleen filataman:

1. Kakuu Haaraa Giriikii maxxansa afraffaa , Mirga garagalchuu© 1993 Deutsche Bibelgesellschaft, O Stuttgart. Hayyamsiisuun kan itti gaargaaramame. Mirgi Qopheessaa Seeraan Kan Eegame.
2. Hika King Jemis Haaraa (NKJV) Mirga garagalchuu©1979, 1980, 1982 Thomas Nelson, Inc. Hayyamsiisuun kan itti gaargaaramame. Mirgi Qopheessaa Seeraan Kan Eegame.
3. Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Haaromsa haarawaa, (NRSV)Mirga garagalchuu©1989, Division of Christian Education of National Council of Chrches of Chiristiin Amerikaa keessatti. Hayyamsiisuun kan itti gaargaaramame. Mirgi Qopheessaa Seeraan Kan Eegame.
4. Hika Ingliffaa Haaraa, (TEV)Abbaa Mirga garagalchuu©Hayyamsiisuun kan itti gaargaaramame, Gamtaa Kitaaba Qulqulluu Ameeriikaa, ©1966, 1971. Hayyamsiisuun kan itti gaargaaramame. Mirgi Qopheessaa Seeraan Kan Eegame.
5. Kitaaba Qulqulluu Yeruusalem, (JB)Mirga garagalchuu©1966 Dartoniin, Longman fi Tood,Ltd. Fi Doubleday, a division of Bantam Doubleday Dell Publishing Group, Inc. Hayyamsiisuun kan itti gaargaaramame. Mirgi Qopheessaa Seeraan Kan Eegame.

**www.BibleLessonsIntl.com**
**www.freebiblecommentary.org**

**Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaa- 1995**

**Dubbisuuf salphaa:**

▣ Kan dubbifamanuu Ingliffa duriitiin "thee's" fi "thou's" kan fakkaatan gara Ingiliffa ammayyaatti jijjiiramaniiru.

▣ Jechoonni fi gaaleen duraan waggoota darban 20 dura jijjirrama hiika isaanii irraa kan ka'e kan karaa malee hubataman gara Ingiliffa har'aatti geeddaramaniiru.

▣ Warabbiileen sadarkaa jechoota rakkisoo yookiin galmee jechootaa amma gara Ingiliffa laafaatti jijjiiramaniiru.

▣ Himoon "And" dhaan jalqaban gara Ingiliffaa fooya'aatti jijjiramaniiru, akkaataa afaan isa ammayyaa'ee fi isa duraa gidduu garaa garummaa jiru ilaalcha keessa galchuudhaan. Afaan Griikii fi afaan Ibrootaa akka Ingiliffaa sirna tuqaalee hin qabu. Kanaaf caraa baay'eedhaan sirni tuqaalee Ingiliffaa isa ammayyaa "And" isa jedhu bakka bu'uudhaan tajaajila. Karaa gara garaa tokkoo tokkoon "And" inni jedhu karaa garaa garaatiin jijjiirameera. Fakkeenyaaf "then" yookiin "but" akkuma keeyyatichaa irratti hundaa'uudhaan. Yeroo jechichi inni afaan jalqabaa hiika akkasii hayyame.

**Isa duraani caalaa sirrii:**

▣ Qo'annoon dhiyeenyaa barreeffama gaarii kan Giriikii KAkuu Haaraa isa durii irraatti geggeeffame irra deebi'amee ilaalalmeera, barreeffamni tokko tokkos haaromfamaniiru barreeffamoota isaan jalqabaa irraatti amanamummaa guddaa taasiisuun.

▣ Dubbifamonni bukkoos walbira qabamuun irra deebi'uun ilaalamaniiru.

▣ Goochimoonni hiika baay'ee bal'aa qabanis barreeffama tokko tokko keessatti keeyyata isaanii keessatti ibsa caalaa akka kennaniidhaaf jecha hiikamaniiru.

**Amma iyyuu Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaa (NASB):**

▣ Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaaan sababa hhiikin jijjiiramuudhaaf hin jijjiiramu. Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaa inni duraa jijjiirama yerootti ni dhaabbata, jijjiramni amma ta'e qabamee jira sadarkaa Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaadhaan kaa'ame ilaalaaluudhaan.

▣ Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaa aadaa Kiriikii fi afaan Ibrootaa isa jalqabaa jechaa jechaatti jijjiiru Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaa utuu asiif achi hin jedhin ittuma fufa.

▣ Hiiktonni fi gorsa adda addaa Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaa hojechuutti hirmaatan beektota Kitaaba Qulqulluu, Doktoroota afaanii isa kan Kitaaba Qulqulluu, akkasumas kan barnoota hafuuraatiin darbees karaa kan biraa Digrii olaanaa kan qabaniidha. Jarri manneen amantii gosa gara garaas ni calaqqisiisu.

**Aadaa ittuma fufuu:**

▣ Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaa inni jalqabaa hiika afaan Ingiliffaa isa sirrii ta'uu isaatiif kabaja guddaa argateera. Hiikaawwan gara garaa yeroo ammaa sirrii akka ta'anii fi dubbisuudhaaf mijataa akka ta'anni dubbatamaaf. Garuu kan jara dubbisu namni kam illee hiikni kun akkasitti akka hin amanamne ni hubata. Kana biran yeroo tokko tokko jechaa jechatti hiikamu, barreefama isa jalqaba yaada isaa gabaabsanii ka'u, dubbifamuuf mijachuu danda'u garuu amanamaas ta'uudhaaf gatii guddaa baasuu ta'a. Uumamaan yaada gabaabsuun waanta gadhee miti, akka warri jijjiiran hubatanittii fi hiikanitti hiikaa barreeffamichaa ni ibsa. Kiitaabin Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaan, aadaa Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaa hiika isa dhugaa kan Kitaaba Qulqulluu ta'u isaa ittuma fufa barreefamni inni jalqabaa kan inni jedhu ifa taasisudhaan- kan warren hiikan amanan jedhan qofa utuu hin taane.

-Dhaabbata Lockman

*Jildiin kun kan kennameef*

*michuu koo gaarii, gargaartuu koo,*

*kan na waliin hojjettu, gammachuu jireenyaa kootii,*

*haadha manaa koo*

**Peggy** *dhaaf*

*Isheen*

*tajaajila Waaqayyo itti na waamee fi naakennetti*

*akkan tajaajilaa ta'uudhaaf,*

*na cimisiteetti na jajjabeessiteetti.*

# Baafata


Kottonfachiiftuu ibsituu kanaa ... v

Sagalee barreessichaa: Ibistuun kun akkamitti isin fayyadu danda'aa? ... vi

Qajeelchaa dubbisa Kitaaba Qulqulluu: Ittiin barbaada dhugaa mirkansaa dhuunfaa ... viii

Ibsituu:

- Seenaa Roomaa ... 1
- Roomaa 1 ... 5
- Roomaa 2 ... 31
- Roomaa 3 ... 43
- Roomaa 4 ... 57
- Roomaa 5 ... 67
- Roomaa 6 ... 81
- Roomaa 7 ... 91
- Roomaa 8 ... 102
- Roomaa 9 ... 125
- Roomaa 10 ... 141
- Roomaa 11 ... 150
- Roomaa 12 ... 160
- Roomaa 13 ... 173
- Roomaa 14 ... 187
- Roomaa 15 ... 198
- Roomaa 16 ... 210

Goollaba tokko: Hiikkoo caasaa seerluga Giriik ... 223

Goollaba lama: Qeeqa qabiyyee ... 230

Goollaba sadii: Hiika jechootaa ... 233

Goolaba afur: Beeksisa Amantii ... 244

# GABATEE QABIYYEE ADDAA KITAABA ROOMAA


Erga (*Apostello*) 1:1 .......... 7

Barsiisa ergamootaa waldaa ganamaa 1:2 .......... 8

Ilma Waaqayyoo 1:3 .......... 9

Foon (*Sarx*) 1:3 .......... 10

Maqaa ayyaanotaa 1:4 .......... 11

Yaad qaalla'oo wangeela Boob 1:5 .......... 14

Yaamicha 1:6 .......... 15

Qulqulloota 1:6 .......... 16

Abbaa 1:7 .......... 16

Qajeelummaa 1:17 .......... 19

"Dhugaa" barroo Phaawuloos keessaa 1:18 .......... 23

Haxaawuu, balleessuu, malaamaltoo (*phtherire*) 1:23 .......... 25

Laphee 1:24 .......... 26

Barayyuuf (jechama Giriiki) 1:25 .......... 26

Ameen, 1:25 .......... 28

Gadhooma 1:26, 27 .......... 28

Amal bada fi Amal gaarii Kakuu Haaraa keessaa 1:28-31 .......... 28

Itti fayyadama abbommii *Huper* Phaawuloos 1:30 .......... 29

Qalbi jijjiirranna 2:4 .......... 33

Sanyummaa 2:11 .......... 35

Of jaja 2:17 .......... 39

Jecha Giriik "Qorannoo" fi hiikkoleesaa 2:18 .......... 40

Duwwaa fi badaa (*katergeo*) 3:3 .......... 44

Ulfina 3:23 .......... 51

Ragaa Kakuu Haaraa fayyinaa 3:24 .......... 51

Dhiifama/Dhiqama 3:24 .......... 51

Amantii/Amanamaa 4:5 .......... 59

Chaappaa 4:11 .......... 62

Wabii 4:16 .......... 64

Nagaa 5:1 .......... 69

Dhaabbi (*Histemi*) 5:2 .......... 70

Gidiraa 5:3 .......... 71

Mootummaa Waaqayyo dhaalu 5:17, 18 .......... 78

Cuuphaa 6:3-4 .......... 83

Qulleeffamu 6:4 .......... 84

Bifa (*Tupos*) 6:17 .......... 88

Jajata, kadhata fi galata Phaawuloos Waaqayyo dhiyeesse 7:25 .......... 100
Yesuusii fi afuura 8:9 .......... 107
Sadacha, 8:11 .......... 108
Diroo amantootaa, 8:17 .......... 111
Qabeenya uumamaa 8:19 .......... 113
Abdii , 8:25 .......... 115
Dhamaasuu barbaadamoo 8:25 .......... 116
Namooma afuura, 8:26 .......... 117
Durdhaloota, 8:29 .......... 120
Filannoo durmurtoo fi barbaachisa xinamanti madaalawa 8:33 .......... 121
*Arche*8:38 .......... 123
Kadhata araaraa, 9:3 .......... 127
Abaarsa (*Anathema*), 9:3 .......... 130
Kakuu, 9:4 .......... 131
Harcaatoota, miira sadeen 9:27-28 .......... 137
Dhagaa golee, 9:33 .......... 139
Jala galuu, 10:3 .......... 142
Gochima Giriik fayyina ibsan, 10:4 .......... 143
Dhugaa bahinsa, 10:9 .......... 145
Maqaa Gooftaa, 10:9 .......... 145
Yesuus Naazireetaa 10:13 .......... 147
Dhoksaa dhugaa, 11:25 .......... 157
Qulqlluu, 12:1 .......... 162
Bara kanaa fi bara dhufu, 12:2 .......... 163
Of diddiirraa (*Anakainosis*), 12:2 .......... 163
Fedha (*Thelema*) Waaqayyo, 12:2 .......... 164
Raajii kakuu Haarawaa, 12:6 .......... 166
Arjooma, jaalumma (*Haplotes*), 12:8 .......... 168
*Koinonia*, 12:13 .......... 170
Mootummaa Namoota, 13:1 .......... 174
Ilaalcha Phaawuloos seera Muuseef qabu, 13:9 .......... 179
Yaadannoo Ba'u irratti 20, 13:1, 17 .......... 179
Dadhabina, 14:1 .......... 189
Kiristaanoonni walirratti murteessuu? 14:13 .......... 192
Mootummaa Waaqayyo, 14:17 .......... 194
Qulleessuu, 15:2 .......... 200
Ammatamuu (*Perissevo*), 15:13 .......... 203

Kiristaanota fi Beela, 15:26 ........................................ 207
Dubartoota karoora Waaqayyo keessatti,16:1 ........................................ 212
Waldaa (*Ekklesia*), 16:1 ........................................ 214
Amajaaja dhuunfaa, 16:20 ........................................ 218
Bara baraa, 16:26 ........................................ 221

# KOTTONFACHIIFTUU IBISTUU KANA KEESSA

| | |
|---|---|
| IKQA | Ibsituu Kiitaaba Qulqulluu Ankar, ed wiliyaam Toksiwel Albiraayit fi Deevid No’el Firiidamaan |
| GJKQA | Guuboo jechoota Kiitaaba Qulqulluu Ankar (Jil 6) ed. Deevid No’el Friidmaan |
| FXKM | Furtuu xinaxala kakuu moofaa Joon Yooseen owwniin |
| BBDDH | Barro bahaa duriitti dhihoo, Jemsi B. Richaardi |
| BDB | Loqooda Hibruu fi ingiliffa, Biraawun; S.R Diraayiver fi C.A Biriigsiin |
| BII | Baaybila Ibriikaa Istaatugaartinsaa, GB5, 1997 |
| GJKQH | Guuboo jchoota Kiitaaba Qulqulluu Hiiktoota (jil 4) ed. Joorji |
| IKQSA | Insaayikiloopidiya KQ sadarkaa addunyaa (jil 5) ed. Jamsi Or |
| KQY | Kiitaaba Qulqulluu Yeeruusaalem |
| MYHA | Barruu Qulqulluu akkaataa barruu Masoraayitikiti hiikka haarawaa (Maxxansa Yihudoota Hawaasa Ameerikaa) |
| KB | Looqoda Ibrtootaa fi Aramaayikii KM, Luduriingi Kohilerii fi Walter Baamugaartiner |
| LAM | Kiitaaba Qulqulluu barroo Bahaa duriirraa (Peeshitaa) Joorji M. Laamsaa |
| LXX | Septuuagenti (Giriik-Ingiliffa) Zondervaaniin, 1970 |
| MOF | Hiikkaa Kiitaaba Qulqulluu haarawaa, Jeemsi Moofaatiin |
| MT | Barroo Masooraayiti K Ibroo |
| KQAH | Kiitaaba Qulqulluu Ameerikaa haarawaa |
| KQSAH | Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Ameerikaa Haarawaa |
| KQIH | Kiitaaba Qulqulluu Ingiliffaa Haarawaa |
| NET | Kiitaaba Qulqulluu NET Hiikka Ingiliffaa Haarawaa, maxxansa lammaffaa |
| DAHX KM | Dikshinarii Addunyaa haarawaa xinamantii fi KM (jil 5) ed. Wiliyaam A. Vaan Jemeraan |
| KQSHH | Kiitaaba Qulqulluu sadarkaa Haaromsa haarawaa |
| HAH | Hiikkaa addunyaa Harawaa |
| KQYH | Kiitaaba Qulqulluu Yeruusaalem haarawaa |
| KQIH | Kiitaaba Qulqulluu Ingiliffa haaromfate |
| HSH | Hiikka sadarkaa haaromfate |
| SEPT | Septuuajent (Giriik-Ingiliffa) Zondervaaniin, 1970 |
| HIH | Hiikka Ingiliffa har’aa hawaasa Gamtaa Kiitaaba Qulqulluu irraa |
| HKQY | Hiikkaa Kiitaaba Qulqulluu yoongi Roobert Yoongiin |
| IKQSZ | Insaaykilopidiya Kiitaaba Qulqulluu suuraa, Zondorvaan (jil. 5) ed Merril C. Teenii |
| KJHH | King Jemes Hiikaa Haaraa |

# ERGAA BARREESSAA:
# IBSIISTUUN KUN AKKAMITTI SI GARGAARA?

Hiikkaan kitaaba Qululluu walabaafi adeemsa afuuraan kan gargaaramee, yaada barreessitoota durii hubachuunergaan Waaqayyoo akka hardhas hubatamee hojiirra oolu kan xiyyeeffatamedha.

Adeemsi afuuraa baayyee murteessaa garuuu moo ibsuufis rakkisaadha. Waaqayyootti of gadhiisuufi banaa ta'u gaafata. Dheebotuu (1) Isaaf, (2) Isa beekuuf, fi (3) Isa tajaajiluuf jiraachu qabu. Adeemsi fedha godhachuu gaafata. Hiikkaa keessatti hojiin afuuraa, guddinaa, kiristaanonni jaboo akka Birootti waan hubataniif murteessaadha.

Adeemsa walabaa ibsuun salphaadha. Fedha dhuunfaa keenyaa ykn amantii keenyaa jala hingaliin qabiyyee wajjiin ifaafi madaalawaa ta'uun dirqama. Nuyi cufti keenya seenaadhaan haalaan qabamneerra. Eenyuyyu namni hiikaa qajeelaafi walabaa ta'ee hin jiru. Ibsituun kunis rakkina ilaalcha keenya hiikkaa iratti nu rakkisu hambisuu qajeelcha hiikkaa sadii dhiyeessitee jirti.

**Qajeelcha duraa**

Qajeelchi duraa seenaa yoomessa kitaabni qulqullu itti barreeffame qabachuufi haala seenaa barreessichaati. Barreessaan ka'umsaa kaayyoofi ergaa dabarfatu ni qaba. Qabiyyeen barreeffamichaa nuyiifi homaa jechuu miti akkuma barreessicha kaka'umsa argatee isa durii, duraa sani. Fedhiin isaa seenaa, miirama, aadaa ufiifi bu'uura keenya miti furtuudha. Hojmaanni cinaacha hiikkaa adda itti hin baanedha, garuuu hiikkaan sirrii hojmaata dursuu qaba. Qabiyyeen kitaaba Qulqulluu hiikkaa tokkoofi tokko qofa qabaachunsaa dirqama. Hiikkaan kuni fedha barreessaa kitaaba Qulqullu jalqabaa hoggansa afuuraan ergaa inni warra hardhaaf dabarsuu barbaadedha. Hiikkaan tokkitiin kun garuuu hojumaata hedduu haalaafi aadaa adda addaa keessatti qabaachuu ni danda'a. hojumaanni kun dhugaa giddu gala kan barreessaa duraa wajjiin wal dhuguu qaba. Kanaafu, ibsituun qajeelchaa qo'annoo kun kitaabooa kitaaba Qulqulluu tokkoo tokkoof seensa akka ta'uuf qophaa'e.

**Qajeelcha lammeesso**

Qajeelchi lamuu kun boqonnaa adda baasuufi. Kitaabonni kitaaba Qulqulluu ragaa kuufamaadha. Hojjettonni hiikkaa dhugaa tokko fudhachuun kaan ammoo hambisuuf mirga hin qabani. Kanaafuu, boqqonnoota jiran fudhannee hojii hiikkaa eegaluun dura yaada kitaaba qulqulluu walii gala huachuun barbaachisaadha. Kutaan, boqonnaan, buufaa ykn lakkoofsa waan kitaabni hin ta'iinidha jechuu miti. Hiikkaan yaada walii gala irra keessaa qabee gaa yaada kuaa gadit bu'aa deemuu qaba. Kanaafuu, isituun qajeelcha qo'annoo kun bartoonni caasaa kutaadha akka buufataan xiinxalan gargaaruuf kan qophaa'edha. Hiramsi buufataafi boqonnaa afuursa odoo hin taane yaada boqonnaa hubachiisuufidha.

Sadarkaa buufataati hiikuun – himaratti, jechamaratti kn jecharatti miti – yaada hiikkaa bareessaa kitaaba Qulqulluu ka'umsaa hordofuuf furtudha. Buufanni hima matooma ykn qabiyyee irratti bu'urawu. Jechii jechamniifi himnii kamuu buufata keessa jiru qabiyee gumoofte kanatti firmooma. Ni daangeessu, ni dagaagsu, ni ibsu, fi/ykn ni gaafatu. Furtuun hiikkaa sirriidha boqonnaa boqonnaatti yaada barreessichaa duukaa bu'udha, karaa qaama kitaabichaa gara guutummaatti geessuu. Ibsituun qajeelcha qo'annoo kunis akka bartoonni kana gochuun hiikkaa Ingiliffaa hammayyaa akka walcina qabanif kan qophaa'edha. Hiikkaan kunis kan filatame waan tiyoorii hiikkaa adda addaati fayyadamefi.

1. Barruu Giriik Yunaayiti Baayibil Soosaayiti maxxansa afuraffaa (YBS[4]). Barruun kun hayyoota bammayyaan kan buufaamedha.
2. Hiikkaan Niiw Kiingi Jamsi Vershin (KJHH) aadaa Giriikoota Teekistuu Reseptas jedhamee beekkamuun hiikkaa jechaa jechatti hiikkamedha. Dheerinni buufatasaa hundarra ni caala. Kun ammoo bartoonni qabiyyee gumoofte akka hubatan isaan gargaara.
3. Hiikkaan Niiw Rivaayizdi Isaandard Vershin (NRSV) hiikkaa hammayyaa jechaa jechatti godhamedha. Hiikkoota hammayyaa lameen giddutti wiirtummaa kan uumedha. Hiramsi buufatasaa ijoo baafachuuf baayye gargaaradha.

4. Hiikkaa Tuudeyis Ingilish Vershin (HIH) isa maxxansa Yuunaayitid Baayibil Soosaayiti maxxanseen kan gituu maxxansa addaati. Akkaataan hiikkaa 'saas akkaataa iti dubbistoonniifi dubbattonni afaan Ingilizii bara kanaa itti afaan Giriiki hubachuu danda'aniin kan qophaa'edha. Irra guddessa, keessattu Wangeela, buufaa akkaataa dhimmicharra akkaatta isa dubbateen kan hiredha, akkuma NIV. Akkaataa hiiktootaaf hin fayyadu. YBS4 fi HIH lameenu buufataan gargar haa ta'an malee maxxansaansaanii qaama tokko ta'uu hubatamu qaba.
5. Hiikkaan Jerusaalem Baayibil (JB) hiikkaa gita kaatolika Faransaayi kan ta'e hiikka adaati. Kallattii buufata Awurooppaanotaan madaaluuf baayyee gargaaraadha.
6. Caafanni kun hiikkaa Niiw Amerikaan Sitaandard Bayibil ((NASB) harawaa 1995ti, hiikaa jechaa-jechatti Qeeqni lakkoofsa-lakkofsattis buufatatti hordofee jira.

**Qajeelcha Sadeesso**

Qajeelchi sadeessoo hiikkaa kitaaba qulqulluu adda dubbisudha. Kunis hiikkaa balloo jechoonniifi jechamni kitaabichi qabaachuu danda'u ittiin argachuudha. Yeroo hedduu jechii ykn jechamni Giriiki karaa hedduun ni hubaama. Hiikkaan gargaarii kunis carraa kanaafi barruu Giriiki adda baasuufi ibsuuf gargaare jira. Kun doktiriinii hin miidhu, garuuu duubatti deebinee yaada bareessitoota jalqabaa cufame akka argamu ni gargaara.

Ibsituun kun barataan akka dafee hiikka ofii ilaalu gargaara. Kunimmoo hiikko ta'u miti, garuuu caalatti odeeffanno kennuufi yaada kakaasudha. Hiikkonni Biroo ammoo **ofitoo**, **dogma'uu** fi **bu'uuroo** akka hin taanes ni gargaara. Hiiktonni barruun durii hangam takka rakkisoo ta'uu akka hubataniif carraa bal'oo hiikko isaan barbaachisa. Kiristaanoa kitaaba Qulqulluu madda dhugaasaanii godhaan giduu waliigaleen jiru xiqqaachuun rifachiisadha.

Qajeelfamni kun haal seenaa kiyya irra aanee barruu durduriin akkan qasaa'u na dirquun na gargaaree jira. Abdiin kiyyas isinifiis eebba akka ta'udha.

Bob Utley
East Texas Baptist University
June 27, 1996

# Qajeelcha dubbifannaa kitaaba Qulqulluu
# Dhugaa mirkanaaf barbaacha matayyaa

Dhugaa beekuu ni dandeenyaa? Eessatti argamaa? Loojikiin mirkaneessuu ni dandeenyaa? Gonkumaa addunyaa keenya ykn jireenya keenya qajeelchuu kan danda'an ni jiranii? Jireenyaaf hiikkaan ni jiaataa? Maaliif as jiraa? Eessawoo dhaqnaa? Gaaffiileen kunneen – gaaffii ummanni walaaa gaafatu – gaafa jalqabaa (Lal. 1:13-18, 3:9-11) irraa eegalee sammuu ilma namaa hatee jira. Nin yaadadha jireenya kiyyaaf bikka birmadoo yeroon barbaadaa ture. Dhugaa bahinsa namootaa maatii keenyaaf ta'erratti hundaa'uun kanniin gara kiristoositti goree amane dargaggummaa kiyyatti haguman gaheessa ta'aa deeme, gaaffiin ofiifi addunyaa kanaaf qabu daranu guddataa deeme. Yaadni xixiqqaan aadaafi amantii muuxannoo keessa darbee ykn dubbiseef hiikkoo ta'uu hin dandeenye. Yeroo jeequmsaa, barbaada, imalaafi fuula addunyaa jabduufi miirdhabduun keessa tureetti abdii dhabummaa turte.

Baayyinni gaaffilee kanaaf debii argachu yaalan, garuuu qorannoofi mariin booda deebiin isaanii (1) falaasama matayyaa (2) sheekko durdurii (3) muuxannoo dhuunfaa ykn (4) calaqisa xinsammuu akka ta'e arge. Sabaa jireenya koo, ido birmadoo koo, bu'uura kallati addunyaa irra kaayyadhuu mirkansa, ragaaafi ilaalcha walabaa argachuu na barbaachisa.

Kana qo'anno kitaaba Qulqulluu keessatti argadha. Achumaan ragaa amanamoomaa barbaadu iti fufeen (1) seenaa qabatamaa kitaaba Qulqulluu, arkiyoolojiin mirkanaa'ee, (2) dhugoomsa raajoota kakuu Moofaa. (3) tokkummaa ergaa kitaaba Qulqulluu baroota dhiba kudha jaha keessaafi (4) dhugaa bahinsa namoota jireenyi isaanii walitti dhufeenya kitaaba Qulqulluun jijjiiramee argu danda'e. kiristaanummaan, akka gamtaa amantiifi amantaati, gaaffii walxaxaa jireenyaa wajjin hojjechuuf ni danda'a. Kun ammoo caasaa hojii walabaa qofa miti, amantiin kitaaba qulquluu ibsamuu danda'u gammachuufi tasgabii naa fida.

Iddoo walaba jireenya koo – kiristoos, akkan kitaabicha keessatti hubadhetti, ta'uu argachuu koon beeke. Sun ammoo muuxannoo buhaara, miirama keessaati. Haa ta'uuti, ammallee waraansaafi hollachiisa hiikkaa kitaaba kanaa irratti yeroo ani eegale, yeroo tokko moo waldaafi mana barumsa tokko keessati yaada gargaaraa kaasee ture ni yaadadha. Ammanamummaafi kaka'insa kitaaba Quqlulluu dhugaa cimsuun isa xumuraa odoo hin taaanee isa jalqabaati. Akkam godheen hiikkaa gargaraafi walfaalleessaa kitaaba dhugoomsu ykn gatuu ni danda'aa?

Hojmaanni kun galmaafi imala amantii jireenya koo naa ta'e. ni beeka kiristootsitti amanuun koo (1) gammachuufi nagaa guddaa naaf kenne. Sammuun koo aadaa koo (dub-hamayoma) keessa gonkoomaaf fagaataa tueera. (2) doogmaatummaa waldhibdee amantoota (amantii addunyaa) fi (3) bu'uroma safu dhabeenya na agarsiiseera. Hikkaa hog-barruu durdurii ayitan barbaadutti, seenaa, aadaa, bu'uuromaafi gardhabummaa koo calaqisu arguu kootti ajaa'ibame. Ira deddebi'ee kaniin kitaaba Qulqulluu dubbisu ilaalcha koo utubuufidha. Hanqina koofi dhoksaa koo haguuguuf akka madda dogma godheen ittiin ormaan morma. Kana beekuun hangam dhukkuba koo turedha!

Akkasumas guutummaati mormata ta'u hin danda'au, nama kitaaba Qulqulluu dubbifatu fooyya'a ta'u ni danda'a. gara dhabummaa koo adda baasuufi jiraachusaa beekuun daangeessuu ni danda'a. ani ammallee kana jalaa hin birmadoomne, garuuu dadhabinsa koon mormachaan jira. Hiikkaan diina dubisaa kibaata Quqlulluu isa badaadha!

Mee dur tilmaama ani qo'annoo kitaaba Quqlulluu koo keessatti fideen tarreessa, isin dubbistoonnis, ana ajjin ta'uudhaan ni sakkataatu.

## I. Durtilmaama

A. Kitaabni Quqlulluu dhugaa Waaqayyoo tokkicha inni ittiin of muldhise isa muummee ta'uu nan amana. Kanaafuu, ifa fedhii barreessicha uumaa (afuuraa) karaa namootaa yoomessa seenaa addaa keessaan calaqiseen hiikkamu qaba.

B. Nin amana kitaabni Quqlulluu namoota gitaa – hundaaf barreeffame. Waaqayyoo nutti dubbachuufi haala seenaafi aadaa keessatti of qabuu jaalate. Waaqayyo dhugaa hin dhoksu – akka hubannu barbaada! Kanaafuu, akka keenya odoo hin ta'iin ifasaan akka hiikkamu barbaada. Kitaabni Qulqulluu waan warri

dura dhagahanii ykn dubbisan hin ta'iin nuyiif hin ta'u. sammuu namoota giddu galaan hubatamuu kan dadna'uufi bifaafi teekinika waliigaltee laafaa namootaatti kan fayyadamedha.

C. Kitaabni Quqlulluu yaadaafi ergaa gumaa'ee akka qabu nan amana. Kanaafuu, hiikkoon kitaaba Qulqluu inni hundaan olii kitaaba Qulqulluu mataa isaati.

D. Dubbiffanni kitaaba Quqlulluu (raajooa irraa kan hafee) hundi fedhaafi kaka'umsa barreessicha duraa irratti hundaa'ee ergaa tokkoofi tokko qofa akka qabu nan amana. Hangamu mirkantuu dhumaa ta'uudha baannullee qabxiileen heddu agarsiisan waan jiraniif fedha barreessicha duraa ni beekna.

    1. Bifa hogbarruu ittiin ergaa dabarsuuf filatamee
    2. Yoomessa fi/ykn haalyeroo barreeffamicha dhangalaase
    3. Qabiyyee kitaabilee keessaafi gamtooma hogbarricha
    4. Gamtooma qabiyyе hogbarichaa gara ergaa guuammati
    5. Haala giraamara ergicha dabarsuuf faayidaarra oolee
    6. Ergicha dabarsuuf jechoota filatame
    7. Dubbifata walinfaallessine ta'uusaati.

Namoonni qo'annoo kanaas kaayyoo qo'annoo bareeffama kanaa nuuf ta'e. Odoon mala dubifata kitaaba Qulqulluu gaarii kiyya hin eriin dura mala hin mallee bara kana keessa namoonni itti fayyadamanii gara garaafi dhabamuu qabuun waa jedhe.

## II. Mala hin mallee

A. Qabiyyе hogbarru kitaabbilee kitaaba Qulqulluu tuffachuufi jecha, jechamaafi tokkoon tokkoo himaa akka dhugaa guufuutti sanuu akka fedha barreessichaafi ergaa waliigalaan waliin simnetti fayyadamuu.


B. Seenaa yoomessa kitaabichaa cinatti dhiisuun durtilmaama seenaa yoomessaan bakka buusuun sanu isa faayidaa xiqqo ykn homaawu hin qabnetti fayyadamu.

C. Seenaa yoomessa kitaabichaa dhiisuuniifi akka gaazexaa magaalaa namoota kiristaana hammayyaa ganama ganama bitamee dubbifamuuti dubbisuuf.


D. Fedha barreessicha ykn dhaggeeffattoota duraati hin simneen ergicha akka ergaa falaasamaa/tiyooloojiitti fudhachuun seenaa yoomessicha tuffachuu.

E. Ergaafi yaada barreessicha jalqabaatti kan hin simne dhimma baraa, doktiriina ykn mala tiyoolojii mataa ofii bikka huusuun ergaa duraa tuffachu. Adeemsi kun dubisa kitaaba Qulqulluu duraa akka aboo abba dubbiitti lafa kaa'a. Kun ammoo nuyiif akka "deebii dubistootaa" ilaalama. (qabiyee jechun anaaf maala jechuudhaa" hiikkaa)

Waliigaltee namootaa hunda keessatti ijoowwan sadii walsimatan ni muldhatu.




Bara durii, teekinikoonni dubisaa ijoo sadan keessaa isa tokkootti hirkatu turani. Garuuu dhugumatti fedha addaa kitaaba Qulqulluu mirkaneessuuf, gabateen haaromfame baayyee gaariidha.




Isa dhugaatti ijoowwan sadanuu adeemsa hiikkaa keessatti dabalamuu qabu. Ifa gochuufis, hiikkaan koo lameen duraa irratti xiyyeeffate: barreeffama ka'umsaafi qabiyyee. Feetuu badiin argarrattin dubbadha. (1) ciiguu ykn afuuressuu qabiyyichaafi (2) "deebii dubbisaa" hiikkaa (anaaf maal jechudha) badiin sadarkaa hundatti muldhachu ni danda'a. Yeroo mara miira, garadhabummaa, teekinikaafi hojmaata keenya sakatta'uu nu barbaachisa. Garuuu yoo waagaan, daangaafi xumurri hin jirree akkamiin sakatta'uun nuu danda'amaa? Iddoon

kun iddooti fedha barreessaafi caasafamni qabiyyee iti waagaalee gam tokko ittiin daangaa hiikkoodha akkan lafa kaayadhu na gargaaredha.

Ifa teekinika dubbisa hin malle kanaan, firoomsaafi ibsii hiikkoofi dubbisa kitaaba qululluu gaariitti dhiyaachu danda'amu maalfa'ii?

**III. Itti dhiyeenya dubbisa kitaaba Qulqulluu gaarii**

Sadarkaa kanatti ani bifa teekinikaa hiikkoo addaa mariisisuutti hin jiru, qajeelcha qabiyyee kitaaba Qulqulluu waliigalaa malee. Itti dhiyeenya bifa addaa kitaaba gaariidha. Kitaaba "*How to Read The Bible For All Its Worth*" jechuun Gordon Fii fi Doglaas Sitaartiin barreeffamee Zondarvaaniin maxxanfamedha.

Jalqaba irratti toftaan koo kaniinni xiyyeeffatu dubbistoota marsaa dubbisaa afran keessaan afurrii Quqlulluu, kitaaba Qulqulluu akka isaanii ibsu ofirratti hayyamanidha. Kunimmoo afuuricha, dubbisaafi isa dubbifatu dursaa malee lammeessoo hin taasisu. Kunis darbee isa dubbifatu sana akkanni hacuuccaa ibsitootaa jalatti in kufne tiksa. "Kitaabni Quqlulluu xiyyaa ifaa hedduu ibsitootarratti ni darbataa "jecha jedhu nin dhagaha. Kun garuuu qeeqa gargaasa qo'annoo irrattif godhamu gatii dhabsiisu miti, garuuu yeroo sirrii itti fayyadamasaanii gaafata malee.

Hiikkaa keenya ragaaalee barreeffamicha keessaan deeggaruuu qabna. Naannooleen shaman ibsa gabaabo kennu

1. Barreesaan ka'umsaa
    a. Seenaa yoomessaa
    b. Qabiyyee hogbara
2. Filannoo barreessaa ka'umsaa
    a. Caasaa giraamaraa (syntax)
    b. Ittifayyadama hojii baraa
    c. Bifa
3. Hubannoo keenya sirrii
    a. Dubbisa qixaa fudhatamaa

Sababaa fi deemsa haasawaa hiikkoo keenya duubaan jiru dhiyeessu danda'uu qabna. Kitaabni Quqlulluu muuxannoo fi madda amantii keenyaati. Wanti gaddisiisaa, waan inni barsiisuufi mirakaneessu irratti kiristaanonni irra deddeebi'anii waliigaluu dhabuusaaniiti. Kaka'umsa kitaaba Qulqulluu komachuuniifi warra waan inni gaafatuufi barsiisu irratti waliigaluu hin dandeenye amantoota haarawaaf mohinsa.

Marsaan afran dubbisaa ilaa hiikkoo armaan gadii agarsiisuuf wixnaa'ani.

**A. Marsaa dubbisaa duraa**

1. Takka gadi ta'aa kitaabicha dubbisaa. Hiikka Biroon ammoo irra deebi'aa, yaada hiikkaa Birooon
    a. Jechaa – jechatti (KJHH, NASB, NRSV)
    b. Gitaan addaan (HIH, JB)
    c. Paraaphireezii (kitaaba jiraataa, kitaaba dagaagaa)
2. Yaada wiirtuu bareeffamaa ilaala. Qabiyyee adda baafadha.
3. Qabiyyee ykn yaada wiirtuu kana sirriitti ibsu jecha, jechama, himaafi boqonnaa (yoo danda'ame) adda baasaa.
4. Bifa hogbarruu ulfaatoo adda baasaa

A. Kakuu Moofaa
1. Barreeffama Ibrootaa
2. Walaloo Ibrootaa (hogbarru safii, farfannaa)
3. Raajii Ibrootaa (haasa'a, walaloo)
4. Seera tuma

**B. Kakuu dubbisa lammeesso**
1. Keessa deebi'aa kitaabicha dubisaa, mata duree ykn qabxii adda baasuuf ilaalatuma.
2. Hima salphaa ta'een qabiyyee maa duree ibsaa bareessuuf yaalaa.
3. Gargaarsa qo'annootti fayyadamaati yaada dubbicha sakatta'aa babal'isaa tarreessaa

**C. Marsaa dubbisaa sadeessoo**

1. Ammas deebisaa dubbisaa, kitaabuma Qulqulluu keessaa haala seenaa yoomessaa barreessa adda baasuu akka isin dandeechisuuf.
2. Qabxiiwwan seenaa kitaaba Qulqulluu keessatti tuqaman tareessaa.
   a. Barreessaa
   b. Guyyaa
   c. Argataa
   d. Sababa addaa barreessicha
   e. Haala yoomessa aadaa yaada barreeffamichatti firoomu
   f. Ragaaaleefi namooa seenaafi tuqachiisa.
3. Kartuu keessan gara kutaa kitaaba Qulqulluu hiikkaa jirtaniifi buufaticha babal'isuu. Yeroo mara boqonnaa barruu jala murani adda baasuudha. Kun buufaafi boqonnaa heddumeessu ni danda'a. kun fedha barreessicha ka'umsaafi deemsa loojiki akka hordofamu ni gargaara.
4. Gargaartu qo'annootti fayyadamuun seenaa yoomessaa sakatta'uu

**D. Marsaa dubbisaa afreessoo**

1. Boqnnaa barruudha hiikkaa gargaaraa irraa deddebi'anii dubbisuu
   a. Jecha-jechatti (KJHH, NASB, NRSV)
   b. Gita addaan (HIH, JB)
   c. Paaraaphireesii ( kitaaba jiraataa, kitaaba dagaaga)
2. Caasaa giraamaraa ykn barruu ilaali.
   a. Jechama irra deddebi'o, Ef. 1:6, 12,13
   b. Caasaa giraamara irra deddebi'oo, Rom. 8:31
   c. Qabiyye mormisiisaa
3. Qabxiilee armaan gadii tarreessu
   a. jechoota barbaachisoo
   b. Jechoota hin baramne
   c. Caasaa giraamara barbaachisaa
   d. Jechoota, jechamaafi himoota rakkisoo
4. Dubbifata qixaan firoomu ilaaluu
   a. Ittifayyadama dhima kee irratti dubbisa barsiisa kee qulqulluu ilaaladhu.
      1. Kitaaba malmaltu tiyoolojii
      2. Tuqachiisa kitaaba Qulqulluu
      3. Tartiiba jechoota
   b. Dhimma kee keessati warra warra wal hinfakkaane fakkaatan ilaali. Dhugaan kitaaba Quqlullu hedduun cimsii wala'insaan jiran, mormiin bu'oroma heddu kan dhalatan muddama dhugomsa barruu kitaabicha irra kan ka'e ture. Guutuun kitaaba Qulqulluu afuuraan kaa'ame, kanaafu hiikkaa madaalawaa barruu argachuuf ergaa guutammaa soquu qabna.
   c. Kitaabuma tokko keessatti walmaddii barreessaa, ykn bifaa, ilaali, sababnisaa kitaaba Qulqulluuf barreessaan isaa tokkichuma, afuura Qulqluu
5. Haalaafi yoomessa seenaa argite sakatta'uuf gargaartuu qo'annooti fayyadami.
   a. Qoa'nnoo kitaaba Quqlulluu
   b. Guuboo jechootaa, kitaaba qajeelchaafi Insaayikilopidiyaa kitaaba Quqlulluu
   c. Seensa kitaaba Qulqulluu
   d. Ibsituu kitaaba Qulqulluu (qo'annoo kee sadarkaa kanaa irratti akka qo'annoo kee siif sirreessaniif hawaasa amantootaaf carraa godhi.)

**IV. Hojmaata hiikkoo kitaaba Qulqulluu**

Sadarkaa kanatti gara hojmaataatti deebina. Barru yoomeessa ka'umsaan hubachuuf yeroo fudhateerta, amma aadaafi jireenya kee keessatti dhugomsuu qabda. Ani aboo kitaaba Qulqulluu akka "hubannoo ergaa barreessaa kitaaba Qulqulluu ka'umsaa bara sanaafi hojmaata dhugaasaa bara kanaa" ti hiikeera.

Hojmaanni hiikkootti fedha barreessa ka'umsaa yeroofi loojikiitti aanee dhufuu qaba. Hanga gaafa bara isaati inni jedhu beeknutti dubbisa kitaaba Qulqulluu hojiirra oolchuuf hin dandeenyu! Dubbisni kitaaba Qulqulluu waan hin jedhamne jechuu miti.

Baafanni, sadarkaa buufataatti (marsaa dubisaa # 3) gadi bu'ee jiru qajeelcha keeti. Hojmaanni sadarkaa buufataatti, malee sadarkaa jechaatti tolfamu hin qabu. Hiikkaan jechootaa sadarkaa barruutti, hikkaan jechamaa

sadarkaa barruutti, hiikkaan himaa sadarkaa barruutti ta'u qaba. Hiikkaa keessati hiikkaan afuuraa barreessa ka'umsaa qofadha. Ibsa afuura qulqulluun hoggansa isaa horfofna. Ibsaan garuuu afuuruu jechuu miti. Waa jechuudhaaf "Gooftaan isinitti hima" jedhe fedha barreessaa ka'umsaaf abbomamuu qabna. Hojmaanni fedha barreeffama waliigalaa, boqonnaa barruu addaafi dagaaga buufatatti firoomuu qabu.

Dhimmoonni bara keenyaa akka dubbatan odoo hin taane, akka kitaabicha keessaa akka baafannu nu godha. Yoo barruun qajeelfama kana ni deggera ta'e fudhatama argata. Yeroo hedduu qajeelfamni keenya matumasaa qajeelfama "keenya" – malee qajeelfama barruu miti.

Kitaaba Qulqulluu hojmaatessuurratti raajootaan alatti) barrichaaf hiikkaan tokkoofi tokko qofti akka sirrii ta'e beekuun barbaachisaadha. Hiikkaan isaas fedha barreessaa ka'umsaa gaafa saniitti firmudha. Hiikkaa

Tokkotti kana irraa hojmaanni hedduu bahuu ni danda'a. Hojmaatichi fedhii argataa irratti bu'uraa, garuuu fedha barreessaa ka'umsaati firommuu qaba.

**V. Kallatti hiikkaa afuuraa**

Hanga ammaa adeemsa loojikaafi barreeffamaa hojmaataafi hiikkaa ibsaa tureera. Amma ammoo kallattii hiikkaa afuuraa ibsuu yaala. Tartibni sakatta'a armaan gadii anaaf gargaarsa ni qaba.

A. Kadhaa gargaarsa Afuura Qulqulluu (1 Qor 1:26-2:16)
B. Kadhata dhiifamaafi dhiqama cubbuu beekkamaa dhuunfaaf godhamu (1 Yoh. 1:9)
C. Kadhata fedha guddaa Waaqayyoon beekuuf godhamu (Far. 19:7-14, 42:1ffa; 119:1ff)
D. Ilaa toltuu jireenya keetti dabalii
E. Gadjechuufi barsiisu danda'urra turi.

Hoggansa Afuuraa Afuura Quqlulluufi deemsaa loojikaa madaallii jiru eeguun guddaa rakkisaadha. Kana lameen walmadaalchisuuf waraabi kun na gargaare.

A. Scripture Tmisting, James W. Sirerra ful 17-18 "Itti gara sammuu namoota Waaqayyootti dhufe – gara warra Afuuraa muraasa miti. Kiristaanumma kitaaba Qulqulluu keessatti gartuun beekkamo, ibsituuniifi ummanni hikkaan qixaa keessa dhufe jedhaman hin jiran. Afuurri Qulqulluu kennaa addaa ogummaa, beekumsaafi hubannoo kennullee garuuu inni abbootii hiikkoo sagaleesaa kiristaanoota ol bahan hin ramadne. Barachuun, murteessuuniifi hubachuu hanga saba isaati, kitaaba Qululluuti hirkachuun, warra Waaqayo dandeetti addaa isaanii kennellee ta'an. Waliti qabuudhaaf tilmaamni ani kitaabicha irrati godhadhe kitaabni Qulqulluu dhugaa Waaqayyoo namootatti muldhisedha, aboo nuyi waan inni dubbatu hundarratti qabnudha, sunis ajaa'iba gararraa odoo hin taanee waan namoota aadaa gargaraan hubatamu danda'udha.
B. Kitaaba "kiyeerkigaard protestant biblical interpretation" ful. 75 jedhu keessatti.

Akka kiyeerkigaardifi qo'annoon giraamaaraa laaksilaalaafi seenaa kitaaba Qulqulluu barbaachisaadha, garuuu dubisa dhugaa kitaabaa dursuu qaa. "Akka sagalee Waaqayyooti kitaaba Qulqulluu dubbisuuf namni tokko afaaniifi lapheesaatiin, qeensa qubaan, eegumsa dammaqinaan, haasa'a Waaqayyoo keessatti dubbisuu qaba. Kitaaba Qulqulluu akka qalbi dabinsaati, ofumaan ykn yaroominaan, ykn ogummaan dubbisuun akka dubbisa sagalee Waaqayyoo hin ta'u. Akkuma namni xalayaa jaalalaa dubbisutti sagaleen Waaqayyoos dubbifamuu qaba.

C. Kitaaba H.H Rowleey, The Relvance of Bible ful. 19 jedhu keessati moo

"Hubannoon beekumsaa hayyoomaa kitaaba Qulqulluu hangamu guutuu, hunda qabatee hin jiru. Hubanno guutuuf barbaachisaa waan ta'eef hubannoo akkanaa gad buusuuf miti. Yoo guutummaa kitaabichaaf kan ta'u ta'e garuuu gara hubannoo afuuraa qabeenya afuuraatti qajeelchuu qaa. Akkuma kana hubannoo afuuraa dammaqina hayyomaa daran caaluu barbaachisa. Wantoonni afuuraa afuuraan murtaahu, kanaaf bartoonni kitaaba Qulqulluu amala argataa afuuraa, akka isaanitti of ibsuuf fedha Waaqayyoo, qabaachu qabu akka qo'annoo saayinsiin duuba darbani gara dhaala duuroma qabeenya kitaaboota isaa gurguddooti darbuudhaaf.

**VI. Mala ibsiituu kanaa**

Ibsituun qo'annoo kanaa kan qophaa'e deemsa hiikkaa kee bifa armaan gadii akka ta'uufidha.

A. Seenaan ifaa kartuu kitaabbilee ni agarsiisa. "Marsaa dubbisaa # 3" eegi tolfateen booda odeeffanno kana sakatta'i.
B. Ilaan barruu jalqaba boqonnaa hundaratti ni argama. Kunimmoo caasaa boqonnaa barruu akka ilaaltu si gargaara.

C. Jalqaba boqonnaa ykn barruufi hirtaan buufataafi kaptioniin ibsaaf tolu hiikkaa hammayyaa adda adda irraa kenname jira.
    1. Barruu Giriik, Yunaayitid Baayibil Soosaayitii maxx[4] (YBS)
    2. Niiw Ameerikaan Sitaandaard Baayibil, 1995 fooyya'e (NASB)
    3. Niiw Kiingi Jemsi Vershini (KJHH)
    4. Niiw Rivaayizdi Sitaandaard Vershiin (NRSV)
    5. Tuudeyis Ingilish Versiini (HIH)
    6. Jeruusaalem Baayibil (JB)

Hiramsi buufata kaka'umsaan miti. Barruurraa mirkanaa'e. Hiikkaa hammayyaa adda addaa kallattii tiyooriifi tiyoolojii adda addaan walbira qabuun ilaalcha barreessaa ka'umsa tilmaame xiinxaluu ni dandeenya. Buufanni tokkoon tokko dhugaa jabaa tokko ni qaba. Kunis "hima, matoomaa" ykn "yaada wiirtuu barruu" jedhama. Ilaalchi gamtooma kun furtuu hiikkaa giraamaraafi seenaa qixaati. Namni tokko waan buufataan gadiin, hiikuu, lallabuu ykn barsiisuu hin danda'au. Buufanni kamuu akka firooma buufatoota olla jiraniin qabu dagatamuu hin qabu. Kanaafi barbaachisummaan kartuu kitaabichaa sadarkaa buufataa barbaachiseef. Nuyi yaa'aa loojika dhimmicha barreessaa ka'umsaa duraan gahuuf danda'u qabna.

D. Hikkaan yaadannoon Bob lakkoofsa – lakkoofsatti. Kun ammoo ilaalcha barreessaa ka'umsaa akka hordofnu nu dirqa. Yaadannichi odeeffannoo gama hedduu kenna.
    1. Qabiyyee barruudhaa
    2. Ilaa aadaafi seenaa
    3. Odeeffannoo giraamaraa
    4. Qo'annoo jechootaa
    5. Dubbisa walmaddi fayyadan

E. Ibsituu keessatti sadarkaa ta'etti, maxxansi Niiw Ameerikaan Sitaandaard Kershini (haarofni 1995) hiikkaa hammayyaa hedduun deeggeramee jira.
    1. Niiw Kingi Jemsi Vershini (KJHH) barruu "Tekistus Resiptas" jedhu duuka bu'eeti.
    2. Niiw Rivaayizdi Sitaandaard Vershini (NRSV) isa jecha – jechatti kaawunsila waldaale biyyaalessa irraa gargale.
    3. Tuudeyis Ingilsh Vershin (HIH) isa Ameerikaa Baayibil sosaayiti irraa gitaan gargale.
    4. Jeruusaaleem Baayibil (JB) isa hiikkaa Kaatolika Faransaayii irratti bu'uuraa'ee Ingiliffaatti hiikkame.

F. Warreen afaan Giriik dubbisuu hin dandeenyeef rakkoo barruu irratti isa mudatu madaalee adda aasuuf afaan Ingiliffaan fayydamuun isa tola.
    1. Garaa garuummaa barruuwwanii
    2. Hiikkaa jechootaa filatamoo
    3. Caasaafi barruu giraamara rakkisoo
    4. Barruu jeeqamoo

Yaata'uti hiikkaan Ingiliffaa rakkoo kana hin furiin malee, akka iddoo gadi fagoofi qo'annooti xiyyeeffatu.

G. Xumura boqonnaa hundaa irratti gaaffileen marii kaasan barbaachisoo ta'an kaa'amanii jiran. Isaaniis yaada hiikkaa muumme ta'an irrati xiyyeeffataniiti.

# Ergaa Phaawuloos
# Gara Warra Roomaatti

# SEENSA GARA WARRA ROOMAATTI

**Dubbii baniisaa**

A. Ergaan warra Roomaa kitaaba doktirinaa loojikaafi falamaa hundaan oliiti. Haala Roomaa keessa tureen kan gadi bahedha. Kanaafu, ragaaan haalomati. Phaawuloos ergaa akka barreessu wanti isa dirqu dhalate. Barreeffamoota Phaawuloos keessaa isa walabaafi akkaataa itti inni rakkoolee jiran furuuf tattaafate akkaataa deemsa wangeelaa (keessattuu hinaaffaa amantoota Yihudaafi geggeessitoota Ahizaab iffa 14:1-15,13) fi hojmaata jireenya guyyaa guyyaati.

B. Akkaataan dhiyeessii wangeela Phaawuloos ergaa Roomaa keessaa jireenya waldaa bara kamiifu gargaara.

1. Awugistoos ergaa Roomaa Luutaar bara 1513 D.B 386 D.B ni amane.
2. Yaadni amantii Maartiin Luutaar bara 1513 D.B akkuma Far 31:1 gara Rom 1:17 (iffa 1b 2:4) argate dubbiseen hubannoon isaa ni jijjiirame.
3. Joon Weesslii, bara 1738 D.B walgahiif Meenoonaayit Landan otoo jiruu wayita daandiirra deemu akkuma lallaba Luutaar seensa ergaa Roomaa irratti kennamaa jiru dhagahen jijjiirame sababnisa inni lallabu hin muldhatu ture.

C. Ergaan warra Roomaa beekuun kiristaanummaa beekuudha. Ergichi jireenyaafi barsiisa Iyyasuus gara dhugaa kataa jabaa waldaalee baroota hundaa qajeelcha. Maartiin Luutaar "Kitaaba mootiifi wangeela qulqulluu kakuu haarawaa" ittin jedheera.

Barreessaa

Phaawuloos bareessaa gonkaati. Nagaan gaaffiisaa inni sonaa 1:1 irratti argama. Phaawuloos "ijoo foon keessaa" ija gareeyi hamtuu akka qabu waliigalameera, kanaaf inni kophaasaa xalayaa ergaa kana hin barreessine, Xeerxiwoos (iff 1;22) akka gargaara barreessaatti fayyadameera kan jedhu jira.

**Guyyaa**

A. Yeroon bareeffama ergaa Roomaa 56-58 (D.B) akka ta'e tilmaamama. Kun kitaaboota kakuu haarawaa jiran keessaa isaan guyyaan beekkamuu danda'e keessaa tokkodha. Kunis ta'uu kan danda'e hojii ergamootaa 20:2 fi Rom 15:17 walbira qabuunidha. Roomaan gaashatti yeroo phaawuloos imala sadaffaa odoo Yeruusaalem hin lakkisiin dura Qoronxoositidha.

B. Tartiiba yeroo barreessii Phaawuloos F.F. Buruusiifi Muurii Haaris irraa xiqquma fooyyessuun waraabame.

| | Kitaaba | Guyyaa | Iddoon | Firoomsaa |
|---|---|---|---|---|
| 1. | Galaatiyaa | 48 | Antsook Sooriyaa | 14:28,15:2 |
| 2. | 1 Tasaloonqee | 50 | Qoronxoos | 18:5 |
| 3. | 2 Tasoloonqee | 50 | Qoronxoos | |
| 4. | 1 Qoronxoos | 55 | Efisoon | 19:20 |
| 5. | 2 Qoronxoos | 56 | Maqadooniyaa | 20:2 |
| 6. | Roomaa | 57 | Qoronxoos | 20:3 |
| 7-10. | Ergaa mana hidhaa | | | |
| | Qolaasiyaas | barii 60ta | | |
| | Efisoon | barii 60ta | Roomaa | |
| | Fileemoon | barii 60ta | | 28:30-31 |
| | Filiphisiyuusi | tela 62-63 | | |
| 11-13. | Imala wangeelaa Afraffaa | | | |
| | 1 Ximootwoositti | 63 (ykn tela, | Maqadoniyaa | |
| | Tiitoositti | 63 bara dura | Efeeson (?) | |
| | 2 Ximootiwoositti | 64 D.B 68) | Roomaa | |

**Argataa**

Ergaan xalayaa buufanni isaa akka Roomaa ta'e ni agarsiisa. Eenyu waldaa akka Roomaatti hundeesse nuyi hin beknu.

A. Feetu namoota muraasa gaafa Pheenxe Qoosee Yeruusaalem turaniifi fayyanii deebi'anii ta'uu ni danda'a (iffa HoE 2:10)

B. Feetu duuka buutoota gaafa Isxifaanos du'een booda qorannoo Yeruusaalem ture baqatanii deebi'anii ta'uu (iffa HOE 8:4) ni danda'a.

C. Ergaa imala wangeelaa Phaawuloosiin jijjiiramani gara Roomaatti deebi'aniin ta'uus ni mala. Phaawuloos takkaayyu waldaa kana hin daawwanne, garuuu gara sanitti miila dheereffachuun (HoE 19:21) ni beekkama. Hiriyyoota hedduus achii ni qaba (Rom 16)

Imala isaa gara Ispeeniti godhuuf karoofate keessa gara Roomiti garuuuf akka yaadee (Rom 15:23) yeroo Yerusaalemii debi'uu "kennaa jaalalaa" wajjin akka ture ni garra. Phaawuloos ergama isaa baha Meeditaraaniyaa akka xumure itti dhagahame. Ini iddaa haarawaa arge. (iffa 15:20-23,28) Ergaa xalayaa Feebeen, daaqona, karaa sanaan imalaa turte (ifa Rom:16:1) fakkaatti. Maaliif xalayaan ergaa hodhituu dunkaanaa biyya Yihudaan jaarraa duraa keessa daandii Qoronxoos iratti bareeffame, kun gatii qabeessa ta'uu danda'ee? Maartiin Luutaar "mootii kitaaboota kakuu haarawaafi wangeela keessa gadii fagoo wangeela barsiisoota fayyan. Rabbi Saa'ol Xarseesi, isa ergaman qululluu ahizaabotaa jedhameeni. Xalayaan ergaa Phaawuloos baay'inaan haala naannoon malee akka Roomaanotaati hin dibamne. Kun haala dhiyeessi falmamaa amantii ergamtootaati.

Obboleeyyan kiristaanaa, jechoonni teekinikaa hedduun hardha itti fayydamnee "amantii" kan agarsiisan( "Tola," "qulqulummaa"fi "mucummaa") akka Roomaara argame ni hubattuu? Guddina tiyooloojii dhugaa Galaatiyaati. Akkuma jireenya keenya hardhaafi fedha isaa waliin barbaadaa jirru ergaa hawwataa kana akka isinirratti banuufi Waaqayyoon kadhaa!

**Akeeka**

A. Imala wangeelaa gara Sipeenitti iyyaata gargaarsaati. Hojiin ergama isaa gara baha galaana Meeditaraaniyaa akka xumurame Phaawuloos hubate (iff 15:20-23,28)

B. Rakkoo amantoota ahizaabiifi amantoota yihudaa waldaa Roomaa gidduu jiru dhageechisuuf. Kun feetu dhiibamuu yihudootaafi deebii isaanii Roomaa irraan boodaa ta'uu ni danda'a. Yeroo sanatti gaggeessitoonni kirisaanoota yihudaa isaan ahizaabotaan bakka bu'aniiru.

C. Waldaa Roomaatti of beeksisuuf Yerusaalemitti hihudoota jijjiiraman (Garee 15n ergamoota Yerusaalemiin) fi yihudoota hin amanamne iraa (Galaatiyaafi 2 Qoronxoos 3, 10-13) fi ahizaaboota (Qolaasiyaas, Efisoon) wangeela wixina falaasama ofiin laaquu barbaadan (jinoositisiizim) irraa mormii ni qaba ture.

D. Phaawuloos akka nama balaafi jijjiirama barsiisa kiristos fideetti ilaallame komatameera. Kiaabni Roomaa kunis ofiiraa faccisa falamaa isaa barsiisaa Iyyasuus (wangeela) fi kakuu Moofaatti fayyadamee wangeelli isaa dhugaa ta'uu agarsiisedha.

**Kartuu ifaa**

- A. Seensa 1:1-17
  1. Nagaa gaaffii 1:1-7
     - a. Barreessaa (1-5)
     - b. Buufata, teessoo (6-7)
     - c. Nagaa gaaffii (7b)
  2. Haala ture (1:8-15)
  3. Qabiyyee (1:16-17)
- B. Qajeelummaa uumaa barbaada. (1:18-3:20)
  1. Gadi bu'insa addunyaa ahizaabaa (1:18-32)
  2. Shalafafa yihudootaa ykn haamiltoota paagaan (2:1-16)
  3. Murtii Yihudootaa (2:17-3:8)
  4. Balaaleffannaa duuniyaa 3:9-20
- C. Qajeelfamaan uumamuu maalidha? (3:21-8:39)
  1. Qajeelummaa amantii qofaan (3:21-31)
  2. Bu'uura qajeelummaa: Abdii Waaqayyoo (4:1-25)
     - a. Dhaabbi tolinsa Abraaham (4:1-5)
     - b. Daawit (4:6-8)
     - c. Walitti dhufeenya dhaqna qabaafi Abraaham (4:9-12)
     - d. Abdii Waaqayyoo Abraahamiif qabu (4:13-25)
  3. Milkaayina qajeelummaa (5:1-21)
     - a. Kallatti dhimmaa: jaalala xuraaye, gammachuu walin qixxaanne (5:1-5)

b. Kaayyoo gardhabaa: jaalala Waaqayyoo dinqisiisaa (5:6-11)
c. Addaam/fakkaati kiristoos: faccisa Addaam dhiyeessi Waaqayyo (5:12-21)

4. Qajeelummaan uumaa qajeelummaa dhuunfaa baasa (6:1-7:25)
   a. Cubbuu irraa walaboomuu 6:1-14)
      1. Mormii tilmaamame (6:1-2)
      2. Hiikkaa cuuphaa (6:3-14)
   b. Garbicha seexaana ykn garbicha Waaqayyoo: filannoo kee (6:15-23)
   c. Seera gaayilaa namoota (7:1-6)
   d. Seerri gaariidha, gaarii seexaanatu danqa (7:7-14)
   e. Qabsoo gaariifi badaa bara baraa amantootaa (7:15-25)
5. Bu'aa qajeelummaa uumaa muldhatu (8:1-39)
   a. Jireenya afuuraa (8:1-17)
   b. Furamuu uumamaa (8:18-25)
   c. Gargaarsa afuuraa walirra hin cinne (8:26-30)
   d. Gammachuu murtii amantiin argame (8:31-39)

D. Akeeka uumaa namoota hundaaf (9:1-11:32)
   1. Filannoo Israa'el (9:1-33)
      a. Dhaaltoota amantii dhugaa (9:1-13)
      b. Birmadooma Waaqayyoo (9:14-26)
      c. Karoorri duuniyaa Waaqayyoo warra hin amannee dabalata (9:27-33)
   2. Amantii Israa'el (10:1-21)
      a. Qajeelummaa Waaqayyoofi qajeelummaa namoota (10:1-13)
      b. Qulqullummaan Waaqayyoo ergamtoota kakaase yaamicha ergaa addunyaa (10:14-18)
      c. Israa'el kiristoositti amanu dhabu (10:19-21)
   3. Kufaatii Israa'el (11:1-36)
      a. Harcaatee yihudootaa (11:1-10)
      b. Hinaaffaa yihudootaa (11:11-24)
      c. Jaamummaa yeroo Israa'eloota (11:25-32)
      d. Kadhaa Phaawuloos dhohuu (11:33-36)

E. Kennaa qajeelummaa uumaarra argame (12:1-15:13)
   1. Yaaminsa gara amantiitti (12:1-2)
   2. Faayidaa kennaa (12:3-8)
   3. Walitti dhufeenya amantoota (12:9-21)
   4. Walitti dhufeenya mootummaa (13:1-7)
   5. Walitti dhufeenya oolla (13:8-10)
   6. Walitti dhufeenya Gooftaa (13:11-14)
   7. Walitti dhufeenya miseensoota waldaa (14:1-12)
   8. Dhiibbaa keenya namootaratti (12:13-23)
   9. Walitti dhufeenya fakkeenya kiristoosiin (15:1-13)

F. Xumura (15:14-33)
   1. Karoora mataa Phaawuloos (15:14-29)
   2. Waaqaa kadhataa (15:30-33)

G. Duub barruu (16:1-27)
   1. Nagaa gaaffii (16:1-24)
   2. Eebba nyaata duraa (16:25-27)

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti, hiikkaa kitaaba Qululluu keetiif ittigaafatamaadha. Hundi keenya ifa qabnu keessa socho'uu nu barbaachisa. Hiikkaa keessatti ati, kitaabni Qulqulluufi afuura Qulqulluu dursaadha. Kana ibsituuti gadiisuu hin qabdu.

Taa'umsa si'a tokkoon kitaaba qulqulluu dubbisi. Jechoota keen qabiyyee wiirtuu kitaabichaa barreessi

1. Qabiyyee kitaabichaa
2. bifa hogbarrichaa

**Marsaa dubbisaa lammaffaa**

Kuni ibsituu qajlcha qo'annooti, hiikkaa kitaaba Qulqulluu keetiif ittigaafatamaadha. Hundi keenya ifa qabnu keessa socho'uu nu barbaachisa. Hiikkaa keessatti ati, kitaabni Qulquluufi Afurri qulqulluu dursaadha. Kana ibsituuti. Gadhiisu hin qabdu.

Taa'umsa si'a tokkoon kitaabicha si'a lammaaa dubbisi. Dhimmoota jaboo kariiti hima tokkoon barreessuu yaali.

1. Dhimma boqonnaa barruu duraa
2. Dhimma boqonnaa barruu lammeessoo
3. Dhimma boqonnaa barruu sadeessoo
4. Dhimma boqonnaa barruu afreesso
5. kkf

# ROOMAA 1

## Hiraa Buufata Hiikkoo Hammayyaa

| YBS | KJHH | KQSHH | TIV | KQJ |
|---|---|---|---|---|
| Nagaa | Nagaa gaaffii | Nagaa 1:1 | Nagaa | 1:1-2 |
| | 1:1-7 | 1:1-6 | 1:1 | |
| | | | 1:2-6 | |
| | | | | 1:3-7 |
| | | 1:7A | 1:7A | |
| | | 1:7B | 1:7B | |
| Hawwi Phaawulos Roomaa daawwachu | Hawwii Roomaa daawwachu | Galata dhiyeessu | Kadhata galataa | Galataafi kadhata |
| 1:8-15 | | 1:8-15 | 1:8-12 | 1:8-15 |
| | 1:8-15 | | | |
| | | | 1:3-15 | |
| Humna Wangeelaa | Jireenya amantii | Qabiyye ergaa | Humna Wangeelaa | Qabiyyee eerame |
| 1:16-17 | | | 1:16-17 | 1:16-17 |
| | 1:16-17 | 1:16-17 | | |
| Yakka sanyii namaa | Harka Waaqayyo warra qajeelummaa ala ta'erratti | Murtii Waaqayyoo cubbu irratti | Yakka sanyii namaa | Dheekkamsa Waaqayyo jalloota irratti |
| | 1:18-32 | | | |
| | | 1:18-23 | 1:18-23 | |
| | | | | 1:18-25 |
| | | 1:24-25 | 1:24-25 | |
| | | | | 1:26-27 |
| | | 1:26-27 | 1:26-27 | |
| | | | | 1:28-32 |
| | | 1:28-32 | 1:28-32 | |

**Marsaa Dubbisa Sadaffaa**
Fedha barreessaa ka'umsaa sadarkaa buufataatti jiru hordofuudhaan.

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti. Hiikkaa kitaaba qulqulluu keetiif ittigaafatamaadha. Hundi keenya ifa qabnu keessa socho'uu nu barbaachisa. Hiikkaa keessatti ati, kitaabni, qulqulluufi afuurri qulqulluu dursaadha. Kana ibsituutti gadhiisuu hin qabdu.

Taa'umsa si'a tokkoon dubbisi. Dhimma isaa addaan baafadhu. Hiramsa dhimma kee hikkoo hammayya shaman wajjiin walbira qabii ilaali. Buffanni afuuromaan miti, garuuu fedha barreessaa ka'umsaa hordofuuf furtuudha, sunimmoo lubbuu hiikkaati. Buufanni kamuu hiikkaa tokkoofi tokko qofa qaba.

1. Buufata duraa
2. Buufata lammee
3. Buufata sadee
4. Kkf

A. Lak. 1-7 seensa xalayaa ergaati. Xalayoota Phaawuloos barreesse hundaa keessaa inni kuni isa dheeraadha. Ergaa kanaan inni waldaa gonkumaa qaamaan isa hin beekne inumaahuu waa'ee isaaf waan hamtuu dhagahanii jiraniif waa'e mataa isaafi hojii ergama isaa of beeksisuu yaala.
B. Lak. 8-12 kadhata galataa jalqabaati. Kun amaluma xalayoota Girikootaa keessattu kan Phaawuloosidha.
C. Lak. 16-17 qabiyyee kitaabichaa eera.
D. Lak. 18 hanga 3:20ti boqonnaa barruu duraafi wangeela Phaawuloos duraa qabata, sanyiin namaa hundi baduu isaaniifi fayyinnis akka isaaniif ta'u hubachisa.
( Uff Uma 3)
1. Namoota amantiilee safuu hin qabne
2. Namoota amantiilee safuu qaban
3. Yihudii
E. Roomaa 1:18-3:20fi seera Umaa 3 calaqisa. (Wanti ajaa'ibaa barsiisonni barruu kana irratti hin xiyyeeffatanii, ka'umsa cubbuu godhanii kan isaan ilaalan Uma. 6 dha) Namoonni kan uumame Waaqayyoo akka hordofuuf ture, bifa isaarra kaasee (Uma 1:26-27). Garuuu sanyiin namaa ifa jireenyaafi abdii humnaa filachuu barbaade. Gochaan garuuu namoonni akka Waaqayyootti of ilaalani (fedhii namoota of jajuu).

Waaqayyoo balaa kana, ni hayyama tarii ni hojjeta ta'a. Bifaan Waaqayyo ta'uun ittigaafatamaa fudhachuudha, haamilummaan itti waamama, waan duuba dhufuunis bilisaa ta'udha. Waaqayyo namoota kan addaan baase filanno isaafi kansaaniin (walitti dhufeenya kakuu) ture! Akka bu'aasaa wajjiin kophaa bahuu filatan carraa kenne. Waaqayyoo ni aare (Uma 6:5-7) garuuu namoonni mirgaafi ittigaafatama isaaniin bu'aa argataniin walaba turan. Jechamni irra deddebi'amee "Waaqayyoo isaani kenne" jedhu (Iff 1:24,26,28) Waaqayyoon mormii odoo hin taanee bilisummaan isaanii fudhatama argachuu agarsiisa. Kun filannoo Waaqayyoo miti. Kun addunyaa Waaqayyo hawwuu ture miti (Uma 3:22, 6:5-7,11-13)

F. Gluaalliin ***Tryoologii*** 1:18-3:20 jiru 3:21-31 keessatti argama. Kun "Oduu gammachiisaa" Wangeelaa isa duraati. Namni hundi cubbamaa waan ta'eef dhiifama Waaqayyoo isaan barbaachisa. Akkasumas Waaqayyo moo akka deebi'anii isa wajjiin gara laafinaa jiraatan ni barbaada. (muuxannoo Eden)
G. Dhiyeessi Wangeela Phaawuloos boqonnaa barruu duraa kana keessatti sanyiin namootaa odoo seeyixaanattis ta'e Waaqolii tolfamaatti hin qabatiin kufaatii cubbuusaaniifi ganiinsa isaaniif kallattiin ittigaafatamtoota ta'uunsaanii (Rom 1:18-3:20) maraa gammachiisa. Kutaan kun dhugumatti tiyooloojii Uma 3 agarsiisa. Garuuu qorumsa ofii maleedha. Waaqayyoo ammas dabalee sanyiin namaa kufaatii isaaf seeyitaanatti akka haqatu (Uma 3:13) ykn isuma ak komatu hin hayyamuuf (Uma 3:12) sanyi namaa bifa Waaqayyoon uumaman (Uma 3:12) sanyi namaa bifa Waaqayyoon uumaman (Uma 1:26; 5:1, 3;9:6) filachuuf mirga, humnaafi dirqama ni qabu. Filannoo mataa isaaniif akka gareetti Addaam Wajjiniifi akka dhunfaatti (iff 3:23) ittigaafatamtootadha.

**Qo'annoo jechaa fi Jechamaa**

**Kitaaba QulqulluuAOHH 1:1-6**

**[1]Ani Phaawulos hojjetaan Yesus Kristos ergamaa ta'uudhaaf waamamee, wangeela Waaqayyoos lallabuudhaaf addaan kanan baafame kana caafuu koo ti. [2]Wangeelli kunisa Waaqayyo duraan dursee karaa raajota isaatii caaffata qulqullaa' aa keessatti abdachiisee dha. [3]Inni waa' ee ilma isaa isa akka fooniitti sanyii Daawit keessaa dhalatee dubbate. [4]Akka qulqullummaa isaa isa hafuuraatti immoo, warradu' an keessaa ka 'uudhaan Yesus Kristos gooftaan keenya ilma Waaqayyoo ta'uun isaa humnaan beeksifameera. [5]Ulfina maqaa isaatiif saba lafa irraa hundumaa gara amantiitti,gara abboomamuuttis geessuudhaaf ayyaanni ergamoota ta 'uu, isumaan nuuf kennameera. [6]Isinis immoo warra kanYesus Kristos ta'uudhaaf waamamaan sana keessa jirtu.**

1:1. "**Phaawuloos**" Yihudoonni bara Phaawuloos keessa turan baayyeen isaanii maqoolii lama, tokko kan Yihuduma tokko kan Roomumma (HOE 13:9) qabaachaa turani. Maqaan Phaawuloos inni yihudaa Saa'oldha. Inni akkuma Mootota Israa'el durii, gosa Biiniyaam irraa (Rom 11:1 Filp 3:5) ture. Maqaan isaa inni Roomummaa Girikitti Phaawuloosi jechuunis "xiqqoo" jechuudha. Kunis:

1. Dheerina qaama isaa kitaabota namootaan barraa'e hojii Phaawuloos jedhame maxxanfame boqonnaa waa'ee Tasaloonqee keessatti "Phaawuloosiifi Thekla dabalame jira.
2. Quqlulloota keessa xinnoo hundaa gadii ta'uun, sababa inni jalqaba warra waldaa hunkuraa turan keessa tureef (1 Qor 15:9; Ef 3:2; 1Xim 1:15)
3. Salphaa dhumaatti maqaa maatiin isaa dhaloota irratti moggaasaniif filannoon #3 gaarii fakkaata

- **"Hojjetaa"** KJHH, KQSHH, TIV fi KQJ "garbicha" jedhanii hiikkaniiti dubbifama. Qabiyyeen kun (1) Yesuus akka gooftaatti faallaa; ykn (2) maqaa ulfinaa bara Kakuu Moofaa fi (Muusee lak. 12:7 keessatti fi IYa 1:1, Iyyaasuu Iya 24:29 keessatti, fi Daawit faarsaa keessattifi Isaayyaas 42:1, 19; 52:13 dha)
- **"Ergamaa ta'uudhaaf waamame"** kun filannoo Waaqayyooti malee kan isaa miti. (HOE 9:15, Gal. 1:15; Ef 3:7) Akkuma inni kana dura 1Qor 1:1; Qor 1:1; Gal. 1:1; Ef 1:1; Qol 1:1, 1Xim 1:1; Tit 1:1) keessatti qaboofi gahinsa afuuraa qabaachu isaa mirkanessee ture waldaa isii kana dura takka hin agarrettis gochu barbaade. Mata duree addaa ilaali; yaamama 1:6.

Jechi "ergamaa" jedhu marroo jaarraa duraa Yihuudoota Filisxeem keessatti" gondaala ergamaa" jechuudha ture. (2Qor 17:7-9) Kakuu Haaraa keessatti jechi kun waan lama fayyada (1) duuka buutoota kudha lameeniifi Phaawuloos; fi (2) kenna afuuraa waldaa keessatti itti jiru agarsiisa. (1Qor 12:28-29; Ef 4:11)

**MATADUREE ADDAA ERGAMAA (APOSTELL∗)**

"Ergaa" (kun jechuun apostell∗) dhaaf kun jecha beekamaadha Girikota biratti. Jechi kun faayidaa tiyooloojii hedduu qaba.

A. Warri barsiisotaa akka nama yaamameefi kan biraa bakka bu'ee ergamee qondaalaatti, akka "ambaasaadara" Ingilizitti fudhatu. (2Qor 5:20)
B. Wangeelli ammooo jecha kana Yesuusii akka Abbaadhaan ergameetti fayyadama. Yohaannis keessatti hanga Masiihitti ol kaafamera (Mat, 10:40; 15:24) Marq 9:37, Lu 9:48 fi keessattu Yoh. 4:34; 5:24, 30,36,37,38,6:29,38,39,40,57;7:29;8:42;10:36;11:42;17:3, 8,108,21,23,25; 20:21). Yesuus akka amantoota ergettis fayyadameera. (Yoh. 17:18; 20:21)
C. Kakuu Haaraa duuka buutotaaf ittifayyadama
   1. Duuka buutoota kudha lameen ka'umsaa irra turan (Luq. 6:13; HOE 1:21-22)
   2. Garee addaa ergamtoota hirphaniifi gargaaran
      a. Barnaabaas (HoE 14:4, 14)
      b. Andironikoosiifi Yuniyaas (Rom. 16:7)
      c. Apholos (1Qor 4:6-9)
      d. Yaaqob obboleessa Gooftaa (Gal. 1:19)
      e. Silwaanosii fi Ximotewos (1Tas 2:6)
      f. Feetu Tiitoo (2Qor 3:23)
      g. Feetu Ephafrodixosin (Filp 2:25)
   3. Kennaa waldaa keessatti hojjetaa jiru (1Qor 12:28-29; Ef 4:11)

D. Moggaasa kana Phaawuloos ofiisaatiif akka ab'oo Waaqayyoo bakka bu'aa Kiristoos godhee isa muudeeti xalayaa ergaa isaa baayyee irratti fayyadame jira (iff Rom 1:1 1Qor 1:1, 2Qor 1:1, Gal 1:1, Ef 1:1, Qol 1:1, 1Xim 1:1; 2Xim 1:1; Tit 1:1)

▣ **"Addaan kanan baafame"** kun GOCHA TA'EE DARBE, Waaqayyo dura addaa akka baafateenii ture agarsiisuudhaafidha. (Erm 1:5fi Gal 1:15) kunis hanga jirutti itti fufe. Kunis akka jecha "Fariisoota" Araman keessaati. Isaanis seera yihudootaa adda bahan (fi Phaawuloosis (Filp 3:5) yeroo gara Damaasqpp dhaqu Yesuus wajjiin walinargiin dura) garuuu amma wangeelaaf adda baafameera.

Jecha Ibroootaa "qulqulluu"fi ni firooma; hiikkaansaas "faayidaa Waaqayyoof adda bahuudha." (Deb: 19:6; 1Pex 2:5) Jechoonni "Qulqulluufi "adda bahuu" jedhan hundi isaanii hidda afaan Girikiitti "qulqulluu" (hogios) walfakkaataa jedhu qaban.

▣ **"Wangeela Waaqayyoof lallabuudhaaf"** durgalli eis bakka dubbisa kana keessatti (fi lak 5) akeeka yaamicha Phaawuloos (lak. 1b) fi "adda bahu" (lak 1c) agarsiisa.

Wangeela jecha tishoo jechoota "gaarii" fi "ergaa" jedhu irraa argamedha. Doktiriina kakuu haarawaa muldhisuuf gargaara. (Erm 31:31-34; Hiz 36:22-32), Innis Massii isa Waaqayyo abdachiise ture. (lak. 3-4)

Kun wangeela Waaqayyo malee kan Phaawuloos miti. (iff 15:16; Mar 1:14; 2Qor 11:7; 1Tas 2:2,8,9; 1Pex 4:17) Phaawulos kalaqaa ykn midhaansaa aadaa hin turre, dhugaa fudhate san lallabuu malee (iff 1Qor 1:18-25)

**1:2 "Wangeelli kun isa Waaqayyo duraan dursee karaa raajoota isaati caaffata qulqullaa'a keessatti abdachisedha.**" Kun agarsiiftuu giddu galeessaa kan yeroo darbeeti. Wangeelli yaada Waaqayyo guyyaa keessaa miti. Garuuu isa jiraataa, karoora akeeka qabeessa male (uma 3:15; Isa 53; Far 118, Marq 10:45, Luq 2:22, HoE 2:23; 3:18, 4:28; Tit 1:2) Lallabni hojii ergamoota duraa (Kerygma) Yesuusiin akka dhugoomsaa raajii bara Kakuu Moofaa godhee dhiyeessa.

**MATA DUREE ADDAA: *BARSIISA ERGAMOOTAA* WALDAA GANAMAA**

1. Abdiin Waaqayyoo inni Kakuu Moofaa keessatti ta'e dhufaatii Yesuus masiihichaan dhugome (HoE 2:30; 3:19, 24; 10:43; 26:6-7, 22; Rom 1:2-4, 1Xim 3:16; Ibr 1:1-2; 1Pex 1:10-12; 2Phex 1:18-19)
2. Yesuun gaafa cuuphaasaa Waaqayyoon akka Masiichichaatti dibame (HoE 10:38)
3. Yesuus hojii wangeelaa akkuma cuuphameen booda Galiilaatti eegale (HoE 10:37)
4. Amalli hojii wangeelasaa gaarii gochuufi hojii ayyaanaa humna Waaqayyoon ta'uusaati (Marq 10:45; HoE 2:22, 10:38)
5. Akeeka Waaqayyoon Masiihichi ni fannifame (Marq 10:45; Yoh 3:16; HoE 2:23, 3:13-15, 18; 4:11; 10:39, 26:23; Rom 3:34; 1Qor 1:17-18; 15:3; Gal 1:4; Ibr 1:3; 1Phex 1:2, 19, 3:18; 1Yoh 4:10).
6. Du'aa ka'ee duuka buutoota isaatti muldhate. "HoE 2:24, 31-32; 3:15, 26; 10:40-41; 17:31; 26:23; Rom 8:34; 10:9; 1Qor 15:4-7, 13; 1Tas 1:10; 1Xim 3:16; 1Phex 1:2; 3:18,21)
7. Yessuus egi Waaqayyoon jajamee "Gooftaa" jedhame (HoE 2:25-29, 33-36; 3:13; 10:36; Rom 8:34; 10:9; 1Xim 3:16 Ibr 1:3; 1Phex 3:22)
8. Hawaasa Waaqayyoo haarawa gurmeessuuf afuura quqlulluu erge. (HoE 1:8; 2:14-18, 38-39; 10:44-47; 1Phex 1:12)
9. Murtiifi hunda bakkatti deebisuuf deebi'ee ni dhufa. (HoE 3:20-21; 10:42; 17:31; 1Qor 15:20-28, 1Tas 1:10)
10. Hundi ergicha dhagahan ni dhiqamu, ni cuuphamu (HoE 2:21, 38; 3:19; 10:43, 47-48; 17:30; 26:20; Rom 1:17; 10:9; 1Phex 3:21)

Gabateen kun akka labsii guddaatti bara waldaa ganamaaa tajaajilaa tureera, kanaaf barreessitoonni Kakuu Haaraa gartokko dhiisani ykn kan Biroo hallaba isaani keessa cimsani muldhataniiru. Wangeelli Maarqoos guutuun Kerygma Pheexroos fakkaachu dhaqa. Akkuma aadaatuu Maarqos lallaba Pheexroos Roomaatti godha kan naqeef isadha jedhama. Lameen Maatewoosiifi Luqaasis Maarqoos ilaalanii naqatani.

**1:3. "Inni waa'ee ilmasaa"** Ergaa wiirtuu oduu gammachise nama, Yesuus Naazireet, ilma dubree Maariyaam irra dhalatesaniiti. Bara Kakuu Moofaa sabni, mootiin, fi Massichi "ilma" (2Sam 7:14 HoS 11:1; Far 2:7; Mat 2:15) jedhamanii yaamamanii turan.

Kakuu Moofaa keessatti Waaqayyo karaa raajootaafi ergamootasaa dubbate. Yesuus hojjetaa Waaqayyoo miti. Inni miseensa maatiiti. (Ibr. 1:1-2; 3:6; 5:8; 7:28) Akkaataa nama gammachiisuun kun macaafa keessatti bakka qofaa Phaawuloos waa'ee barnoota Kiristoos irratti xiyyeeffatedha. Roomaan barumsa walitti fufiinsaa fi qindoomina guutuu ta'e miti.

**MATADUREE ADDAA: ILMA WAAQAYYOO**

Kun maqaa jabaa Yesuus Kakuu Haaraa keessaati. Dhugumatti ayyaana makatee jira. Yesuusiin akka "Ilma" ykn "Ilma koo" fi Waaqayyoon moo "Abba" jedhu makateera. Kakuu Haaraa keessatti si'a 124 jira. Innumti Yesuus "Ilma Namaa" ofiin jedhu ayyaana makataadha, Dan 7:13-14.

Kakuu Moofaa keessatti jechi "Ilma" jedhu garee afur agarsiisa.

1. Ilmaan Waaqayyo (Uma 6:2; Iyo 1:6; 2:1)
2. Mootii Israa'el (2Sam 7:14; Far 2:7; 89:26-27)
3. Saba Israa'el waligalaa (Ba'u 4:22-23; Deb 14:1; HoS 11:1 Mat 2:10)
4. Abboota Murtii Israa'el (Far 82:6)

Ittifayydama isa lammataatu Yesuusiin waldhuga karaa kanaan "ilma Daawwit" fi "ilma Waaqayyo" inni jedhu 2 Sam 7, Faarsaa 2 fi 89 ti ni firooma. Kakuu Moofaa keessatti "ilma Waaqayyo" inni jedhu Massihicha qofaaf addatti hin tajaajille. Akka mootii akka "qondaala dibamee" Israa'el tokkootti malee. Haata'uuti, maraa galaana Du'aa irratti bifa Masiit taa'un dhibaa miti. "Guuboo Yesuusiifi Wangeela jedhurra ilaali ful 770) Akkasumas hojii barreeffama Yihudootaa lama keessatti "Ilmi Waaqayyo" inni jedhu akka Masiichatti eerame ergama. (2 Isdraas 7:28; 13:32, 37,52; 14:9 fi 1Hen 105:2)

Kakuu Haaraa akka inni Yesuusiin agarsiisu ragaaleen jiran

1. Dursee jiraachuusaa (Yoh 1:1-18)
2. Adda ta'ee dhalachu (dubree) irraa (Mat 1:23, Luq 1:31-35)
3. Cuuphaasaa (Mat 3:17; Marq 1:11; Luq 3:22. Sagalee Waaqayyoo Waaqarraa mooticha walarge Far. 2 garbicha gidiraa wajjin Isa 53)
4. Seeyxaanaan qoramuusaa (Mat 4:1-11, Marq 1:12,13, Luq 4:1-13. Shakki ilmummaan qoratame ykn akeekasaa fannoodhaan addatti raawwatuuf)
5. Ragaaalee fudhatama hin qabneen mirkanaa'usaa
   a. Afuuroota hamoo (Marq 1:23-25, Luq 4:31-37, Marq 3:11-12)
   b. Kan hin amanne (Mat 27:43; Marq 14:61; Yoh 19:7)
6. Duuka buutotasaan mirkanaahuu
   a. Mat 14:33; 16:16
   b. Yoh 1:34, 49; 6:69; 11:27
7. Ofiisaa of mirkaneessusaa
   a. Matt 11:25-27
   b. Yoh 10:36
8. Fakkeenya beekamaa Waaqayyo akka abbaatii fayyadame.
   a. Waaqayyoon "Abbaa" jechusaa
      1. Marq 14:36
      2. Room 8:15
      3. Gala 4:6
   b. Ittifayyadama Abba (Patér) yeroo dhiyoo akka walitti dhufeenya Waaqaati ibsuusaati.

Walumaagalatti, maqaan "Ilma Waaqayyo" jedhu warra Kakuu Moofaa beekaniifi abdiifi ramaddi beekaniif hiikkaa tiyoolojii guddaa qabaaf, garuuu barreessitoonni Kakuu Haaraa isa inni warra Ormaa sababa isaan amanti dhaba Waaqa tolfamoo wajjiin hidhata qabaniif itti fayyadama isaa irratti dallansuu qabu.

▣ **"Isa akka fooniitti sanyii Daawit keessaa dhalate"** kun raajii 2 Saamu'eel 7ti firooma. Masiichi hidda Daawit mootichaati. (Isa 9:7; 11:1, 10; Erm 23:5; 30:9; 33:15) gosa yihudaa (Uma 41:4-12; Isa 65:9) ti.

Wangeela Maatiwoos keessatti Yesuus maqaa kanaan yeroo hedduu dhahama (9:27; 12:23; 15:22; 20:30) akka fayyisaati.

Wanni ajaa'ibaa Phaawuloos isa kanaaf baayye iddoo hin kennine. Asiifi 2 Qim 2:8 keessatti qofa kaase barren lameenu feetu seera waldaa ganamaa keessa waraabamu hin oolu.

▣

**KQSAH, KJHH,**

**KQSHH "Akka fooniitti"**

**TIV "Akka namoomasaatti"**

**KQJ "Akka uumama namaatti"**

Kun guutamu raajichaafi mirkansa namooma Yesuus isa bara jaarraa tokkoffaa addunyaa amantii waldaa keessatti ganamee tureti. (1Yoh 1:1-4; 4:1-3) Lakkoofsi kun sirritti akka Phaawuloos jecha "foon" (*sarx*) jedhu jibbinsaan hin fayyadamne agarsiisa (iff 2:38; 9:3) Haa ta'uuti, Phaawuloos jecha "foon" jedhu "afuuraan" gutuuf itti fayydama. (iff 6:19; 7:5, 18,25; 8:3-9; Ef 2:3; Qol 2:11, 13,18,23)

Ijaarsi giraamaraa kata (akka) fi bifti lak 4 keessatti walmaddisu. Yesuus namaas (akka fooniitti) Ayyaansasi (akka afuuraatii lak 4) Dokitiiriinni du'aa ka'uu kun murteessaadha (1Yoh 1:1-3) Feetu moo filatee of moggaasuu "Ilma namaa" Yesuus "Far 8:4, Ezq 2:1 (nama) fi Dan 7:13 (ayyaana) agarsiisuuf ta'a.

**MATA DUREE ADDAA : FOON (SARX)**

Kun ogummaa namootaa ykn sadarkaa addunyaa agarsiisa (1Qor 1:20; 2:6,8; 3:18). Phaawuloos jecha "foon" jedhu (Sarx) karaa hedduu barreeffama keessatti fayyadameera.

1. Nafa namaa (Rom 2:28, 1Qor 5:5; 7:28)
2. Hidda sanyi namaa (Abbaa-ilma Rom 1:3; 4:1; 1Qor10:18)
3. Namooma guutumatti (1Qor 1:26,29)
4. Dadhabina namoota sababa kufaatii sanyii namaa Uma 3 keessatti (Rom 6:19; 7:18)

1:4. "Dubbate" kun waan ta'ee darbe. Waaqayyoo guutumatti Yesuusiin "Ilma Waaqayyo" jedhee shoomee jira. Kun jechuun'moo Beetleiheem ka'umsa yesuus hin turre ykn inni abbaatti dalga hin turre. Mataduree addaa: sadeen 8:11 jedhu jala ilaali.

▣ **"Ilma Waaqayyoo ta'uudhaaf"** Barreessitoonni Kakuu Haaraa Yesuus akka "Ilma Waaqayyooti" maqaa dhahuu hin yaalle. (Mat 4:3) sababa affoola sobaa kan Giriikoota irra kan ka'e ture (Dubree irraa dhalachuunsaas akkanuma ture). Yaadichi garuuu "adda, isa tokko" (monogenes) jedhuun dabre. (Yoh 1:18; 3:16,18; 1Yoh 4:9) kanaaf hiikkaansaa "Yesuus, ilma Waaqayyoo tokkicha dhugaa"dha.

Kakuu Haaraa utubaa tiyoolojii lama qaba waa'ee Waaqahho abbaafi yesuus ilma ti (1) lameenu walqixa (Yoh 1:1; 5:18; 10:30; 14:9; 20:28; 2Qor 4:4; Filp 2:6: Qol 1:15; Ibr 1:3) fi (2) lameenu adda adda (Marq 10:18; 14:36: 15:34)

▣ **"Warra du'an keessaa ka'uudhaan"** Waaqayyo abbaan jireenyaafi ergaa Yesuus du'aa keessaa kaasuudhaan mirkaneesse (iff 4:24: 6:4,9; 8:11) Ayyaanni (Yoh 1:1-14; Qol 1:15-19; Filp 2:6-11) fi du'aa ka'uun Kiristoos (iff 4:25; 1Qor 15) lameen utubaa jabaa kiristaanummaati.

▣ Lakkoofsi kun faaltummaa "guddifachuu" ololuu barbaada. Kunis Waaqayyo jireenya abboomamuu fakkenyaaf akkasaa ta'utti Yesuusiin akka badhaaseefi ol qabe mirkanfanna. Faaltonni yeroo mara (ontologically) Inni ayyaantu miti, garuuu yeroo du'aa ka'een booda ayyaantome jedhu. Kunis moo guutummaatti dhugaa miti, kanneen kitaaboota Yohaannis 1 fi 17 irratti beekkame, yeroo Yesuus du'aa ka'e wanti dinqiin ta'uun argameera. Akkamitti ayyaanni badhaasa akka ta'uu danda'e himuun rakkisuu mala garuuu numa ta'e. yesuus ulfina abaa wajjin qooddatuullees gitnisaa kan gabbateef gaafa hojii ergamasaa raawwatedha. Du'aa kaasuun abbaadha guutuma hojiisaa jireenya fakkeenya, barsiisa, fi du'a aarsaa Yesuus Naazireetaa, sirrii, bikkatti deebi'uufi badhaafamu, ilma addaa ta'uu mirkansa! Goolaba 3 – Guddifata ilaali.

**KQSAH, KJHH "Akka qulqullummaa isaa isa hafuuraatti"**

**KJHH "Akka qulqullummaa isaa isa hafuuraatti"**

**TiV "Akka humna qulqullummaa isaatti"**

**KQJ** **"Akka hafuuraatti, hafuura qulqullummaati"**

Hikkaan tokko tokko "H" hafuuraa ni guddisu, ittiin hafuura qulqulluu agarsiisuuf, yeroo xiqqeessan ammooo hafuura Yesuus agarsiisuuf fayyadamu. Akkuma Waaqayyo abbaan hafuura ta'ee, moo, Yesuusisdha. Barruun Ibrootaafi Giriikootaa durii sun guddisa qubee hin qabu, seera mallattoo xumuraa hin qabu, boqonnaafi hiikkaa hiiktootaafi.

Lakkoofsa 3 fi 4 daandii ittiin ilaalaman sadiitu jira.

1. Uumaa Yesuus lameen, namaafi ayyaana
2. Jireenya isaa biyya lafaa lameen, namaafi du'a ka'uu Gooftaa
3. Akka walmaddinsaatii, "Yesuus Kiristoos Gooftaa keenya"

▣ **"Yesuus"** maqaan Araman Yesuusiifi maqaa Ibrootaa Jooshuwaa jedhu walgita. Jecha tishoo Ibrootaa lamadha. "YHWH" fi "amantii" jedhu "YHWH fayyisaa" jechuu "YHWH baraarsaa" jechuu "YHWH amantii jechuun ni danda'ama. Mat 1:21, 25 keessatti hiikkaa isa ilaaluun ni danda'ama.

▣ **"Kiristoos"** kun hiikkaa jecha Ibrootaa masii jedhuuti, "isa dibame tokko" jechuudha. Kakuu Moofaa keessatti hoggantoonni hedduu (raajonni, luboonni, mootonni) akka mallattoo filannoo Waaqayyootti dibamanii hidhataniiru. Yesuus moo akka jarreen sadan kanaatti qondaalome dibameera. (iff Ibr 1:2-3)
Kakuu Moofaa Waaqayyo "dibamaa tokko" akka ergu dursee dubbatee ture, bara haarawaatti qajeelummaa akka deebisuuf. Yesuus "hojjetaa", "ilma" fi "masii" addaa isaa ture.

▣ **"Gooftaa"** yihudootatti maqaa kakuu Waaqayyo, YHWH, qulqullaa'aa waan tureef barsiisonni bakka kanaa "Gooftaa" (Adon) buufatanii barruu dubbisu ture. Sababnis maqaa Waaqayyoo waan yakkan isaanitti fakkaata ture. (Ba'u 20:7, Deb 5:11) kanas akka abboomi Isaa kudhan keessa tokko cabsuutti lakkaa'an ture. yeroo barreessitoonni Kakuu Haaraa Yesuusiin "Gooftaa" ("Kuris" jedhani yaaman ayyaana Isaa mirkaneessu isaaniiti. (HoE 2:36; Rom 10:2-13, Filp 2:6-11)

**MATADUREE ADDAA : MAQAA AYYAANAAF**

A. El
1. Hiikkaan ka'umsaa hidda jecha ayyaana kun hin mirkanoofne, garuuu hayyoonni hedduu akka hidda akkaadianoota "jabaa ta'uu" ykn "humna qabeessa ta'uu" ti akka dhufe tilmaamu. (Uma 17:1, lak 23:19 Lew 7:21, Far 50:1)
2. Gimbii warra kana'aanotaati qallunsaanii El (Barruu Raas Shamraa keessatti) dha.
3. Kitaaba Qulqulluu keessatti jechi El jettu jechoota Biroootti makamatee hin jirtu. Makamsi kun daandii Waaqayyoon agarsiisu ta'e.
   a. El-Elyoon (Waaqayyo isa gararraa) Uma 14:18-22 Lew 32:8; Isa 14:14
   b. El-Roi "Waaqayyo isa Argu" ykn "Waaqayyo isa of muldhise" Uma 16:13
   c. El-Shaadaay "Waaqayyo isa hundumaa danda'u" ykn "Waaqayyo jaalalaa" ykn Waaqayyo ol ka'aa" Uma 17:1; 35:11; 43:14; 49:25, Deb 6:3
   d. El-ohaam (Waaqayyo jiraataa bara baraa) Uma 21:33, jechi kun tiyooloji caalaan abdii Waaqayyoo Daawitiif qabu ture wajjin waldhuga, 2Sam 7:13, 16
   e. El-Beriit ("Waaqayyo kakuudha") Ab Fird 9:46
4. El kan waraabamu
   a. YHWH Far 85:8; Isa 4:5 keessatti
   b. Eloohim, Uma 46:3, Iyo 5:8, "Ani Eli, Eloohima abbaa keeti.
   c. Shaadaayi Uma 49:25 keessatti
   d. "hinaaffaa" Ba'u 34:14; Deb 4:24; 5:9; 6:15
   e. "araara" Deb 4:31; Neh 9:31; "amantii" Deb 7:9; 32:4 keessatti
   f. "guddaafi sodaatamaa" Deb 7:21; 10:17; Neh 1:5; 9:32; Dan 9:4 keessatti
   g. "beekkomsa" 1Sam 2:3 keessatti
   h. "mudhii koo jabeesse" Isa 5:16 keessatti
   i. "gumaa baasaa koo" 2 Sam 22:48
   j. "qulullicha" Isa 5:16 keessatti
   k. "hunda danda'aa" Isa 10:21 keessatti'

l. "amanannaa koo" Isa 12:2 keessatti
m. "jabaa humna qaeessa" Erm 32:18 keessatti
n. "isa ijaa baafatu" Erm 51:56 keessatti

B. Elyo'an
1. Hiikkaansaa inni bu'uuraa "gararraa", "jajame" ykn "olqabame" jechudha (Uma 40:17; 1Mot 9:8; 2Mot 18:17; Neh 3:25; Erm 20:2; 36:10; Far 18:13)
2. Maqoota/moggaasa Waaqayyoo hedduu wajjin walmaddi fayyada.
   a. Eloohim Far - 47:1-2; 73:11; 107:11
   b. YHWH – Uma 14:22; 2Sam 22:14
   c. El-Shaadaay – Far 91:1,9
   d. El-huum 24:16
   e. Elaah – irra deddebi'ame Dan 2-6 fi Ezraa 4-7, akkasumas illayir (Araman"Waaqa gararraa" jedhuun waldhugee fayyadeera (Dan 3:26; 4:2; 5:18,21
3. Warra Israa'eeliin ala ta'anii fayyadameera
   a. Malchasadeeq, Uma 14:18-22
   b. Bal'aam lak 24:16
   c. Muusee, waa'ee sabaa dubbatu Deb 32:8 keessatti
   d. Wangeela Luqaas Kakuu Haaraa keessatti, Ormootatti barreesse, jecha gitaasaa Giriik Hupsistos (1:32, 35, 76, 6:35; 8:28; HoE7:48, 16:17)

C. Eloohim (dacha), Eloohaa (baaqee), walaloo keessatti
1. Jechi kun kakuu moofaa alatti hin argamu.
2. Jechi kun Waaqayyo Israa'el agarsiisa ykn Waaqolii saboota (Ba'u 12:12; 20:3) Maatiin Abraaham warra Waaqolii waaqeffatanidha (Iya 24:2)
3. Abboota murtii (firdii) Israa'el garsiisa (Deb 21:6, Far 82:6)
4. Jechi eloohim jedhu namoota afuuraafis ni fayyada. (ilmaan Waaqayyo afuura hamaaf) Ba'u 32:8, (LXX); Far 8:5; Iyo 1:6: 38:7. Abboota murtii namoota ni garsiisa (Deb 21:6; Far 82:6)
5. Kitaaba Quqlulluu keessatti maqaa moggaasa ayyaana isa duraati (Uma 1:1). Uma 2:4 ti qobaafi fayyada hanga YHWH ti walmakatutti. Akka bu'uura (tiyoolojii) fi Waaqayyo uumaa, jiraachisaafi arjaa jireenya ardii kanarra godhe agarsiisa (Faarsaa 104)

El wajjiin masaanuudha (Deb 32:15-19) YHWH wajjiin akka Faarsaa 14 (eloohiim). Faarsaa 53 (YHWH) wal maddisuu ni danda'a, yoo maqaa humna qabeessaan ta'e malee

6. Ta'uus dachaan akkuma Waaqoliif fayyadu, maqichi Waaqa Israa'elootaa agarsiisa, garuuu maqaa baaqqee Waaqa tokko Waaqessaniif oola.
7. Jechichi akkuma maqaa ayyaanaa afaan warra Israa'el ala ta'anirra hin dhabamu.
   a. Malka sadeeq, Uma 14:18-22
   b. Balaam, lak 24:2
   c. Muusee, waa'ee sabaa yoo dubbatu, Deb 32:8
8. Maqaan tokkicha Waaqoota Israa'el dacha ta'uun waan keessummaadha. Mirkana hin ta'iin malee tiyooriin jiru:
   a. Ibroon yoo nyaq godhan dachaatti fayyadamu. Wanti kanaan walfakkaatu giraamara Ibrootaa "dacha ulfaatoo", iddootti dachaan qabiyyee muldhisudha.
   b. Feetu gumii "ilmaan Waaqayyo" Waaqayyo jannatatti arguuf jedhuufi ammuu isaati. (1Mot 22:19-23, Iyo 1:6; Far 82:1; 89:5,7)
   c. Kun tokkicha Waaqayyoo muldhata Kakuu Haaraa keessatti namoota sadiin muldhate garsiisu danda'edha. Uma 1:1 keessatti Waaqayyo uume, Uma 1:2 hafuurri haguugeefi Kakuu Haaraa ti Yesuus bakka bu'aa Waaqayyo Abbaa uumaadha. (Yohaannis 1:3, 10; Rom 11:36; 1Qor 8:6; Qol 1:15; Ibr 1:2; 2:10)

D. YHWH
1. Maqaan Waaqayyo abbaa kakuu ayyaana agarsiisu kanadha, Waaqayyo fayyisaa, araaraa. Namoonni kakuu diiganii, garuuu Waaqayyo jechasaaf amanamaa, abdachiisaa, kakataadha. (Far 103)

Maqaan kun dursee Eloohim wajjiin makateeti ka'e. (Uma 2:4). Uma 1-2 gatiin umamaa lama

hin jiru, garuuu nyaqii lamatu jira. (1) Waaqayyo akka uumaa addunyaa (qaamaan) fi (2) Waaqayyo akka uumaa namaa isa addaatidha. Umaan 2:4 rakkina cubbuufi gantummaa walmakatee jiruun eegala.

2. Uumama 4:26 irratti "namni maqaa Gooftaa Yaamuu eegale" jedha (YHWH). Haa ta'uuti Ba'u 6:3 sabni kakuu ganmaa )Paatiraarkiifi maatiinsaaniis Waaqayyo El=Shaadaayi ta'u qofa beekan. Maqaan YHWH si'a takka qofa Ba'u 3:13-16 dhahame keessattu lak 14. Haa ta'uuti, barreeffamni Muusee jechoota etimologiit utuu hin taane jechoota taphaatti jijjiire (Uma 17:5; 27:36; 29:13-35) Hiikkaa maqoota kanaatti tiyooti hedduutu jira. (IDB, Vol 2 ful 409-11 kan waraabame)
   a. Hidda Arabaarra "jaalala ho'aa agarsiisuu"
   b. hidda Arabaarraa "afuufuu" (YHWH Waaqa cabbii
   c. Ugaartik (kana'aanotaa) "haasa'uu"
   d. barreeffama fooneshiyaana hordofee "tokkicha jiraachisu" ykn "tokkicha gadhaabu"
   e. Qalii Ibrootaa irraa "tokkicha isa ta'e" ykn "tokkicha isa jira" (gara fulduraatti "tokkicha isa ta'u"
   f. Hifiil Ibrootaa irraa "tokkisa isa taasise"
   g. hidda Ibrootaarra "jiraachu" (fkn Uma 3:20) hiikkaan "jiraata bara baraa, tokkicha jiraataa"
   h. qabiyyee Ba'u 3:13-16 haasa'aan sirri hin ta'in isa sirrii irratti fayyadera. "Waaniin ta'uuf jedhu numan ta'a" ykn "waaniin ta'e numaan ta'a "(J. Waash. Waats 'Asurvey of syntax in old Testament, ful 67 irraa)

   Maqaa guutuun YHWH yeroo baayye kottonfateeti ykn bifa ka'umsaan dhiyaata ture
   (1) *Yah* (fkn Haallehu yaah)
   (2) *Yahu* (naqoota, fkn, Isaayyaas)
   (3) *Yo* (maqoota, fkn, Iyoo'el)

3. Bodde yihudootaa keessa maqaan kakuudha qulqulluu (taragrammaton) ta'aa dheemeeti isaanis maqaa dhahuu safeettatan akka abboomi cabsuuttis lakka'ani. Ba'u 20:7, Deb 5:11; 6:13. Kanaafis jecha Ibrootaa "qabaataa", "Abboo", "dhirsa" "Gooftaa" _ *adon ykn adonai bakka buusani*. (Gooftaa koo) wayita Kakuu Moofaa dubbifatan yoo jecha YHWH fi dhufan akka "gooftaa" ti dubbisanii darbu. Kanaaf jechi YHWH hiikkaa Ingiliffaatti Gooftaa jedhame kan barreeffameef.

4. Akkuma El, ture san jechi YHWH jedhu kakuu Waaqa Israa'el nyaq gochuu jechoota Birooon makame argama. Walmakoon heddu jiraatanillee hangi tokko kinooti.
   a. YHWH - Yireeh (YHWH ni Argaa) Uma 22:14
   b. YHWH - Rofaakaah (YHWH fayyisaa keeti) Ba'uu 15:26
   c. YHWH - Niissii (YHWH faajjii kooti) Ba'uu 17:15
   d. YHWH - Meeqadishkem (YHWH isa si qulqulleessu) Ba'u 31:13
   e. YHWH - Shaalom (YHWH isa nagaa) "Ab Fird 6:24
   f. YHWH - Sabaa'of (YHWH)
   g. YHWH - Roo'I (YHWH tikee kooti) Far 23:1
   h. YHWH - Sidqeenu (YHWH qajeelummaa keenya) Erm 23:6
   i. YHWH - Shammah (YHWH as jira) Ezq 48:35

**1:5 "Nuuf"** Phaawuloos akka xalayoota ergaa isaa kaan seensa irratti eenyunu miti kan ibsu. Jechamni kun muudamaafi jijjiirama Phaawuloos karaa Damaasqoo irratti argate ibsa. (HoE 9)

▣ **"Ulfina … ayyaanni ergamootaa… nuuf kennameera."** Phaawuloos kaniinni mirkaneessaa jiru kennaa amantii karaa Kiristoosiin argate qofa odoo hin ta'iin, sanatti hidhatee isa jiru, Ormootatti ergamuuf yaamamuusaati. Kun cufti battaluma imala Damaasqoo utuu jiruu (HoE 9) ti. Kun araara irraa osoo hin taane akeeka ulfinaati.

▣ **"gara… geessuudhaaf" kun faayidaa "eis"** isa akeeka barruu keessaati. (iff lak 1) wangeelli bifa Waaqayyoo karaa Yesuusitti amanuutiin deebisa dhaaba. Kun moo akeeka Waaqayyoo ka'umsaa hojjetamu hayyama, karaa saba amala Isaa agarsiisaniin. (lak 7)

**KQSAH, KQJ “abboomamuu amantiitti”**
**NKKQJ “abboomamuu gara amantiitt**
**KQSHH “hanga abboomamuu amantiitti fiduu”**
**TIV “amanuufi abboomamuu”**

Kun itti fayyadama jecha jabaa “amantii” Roomaa keessatti isa jalqabaati. Kitaabaafi boqonnaa kana keessatti karaa addaa ta’esadiin faayidaa kenna.

1. Lakkoofsa 5 jireenya kiristaanummaafi doktiriina Yesuus ykn akka qaama dhugaatti fayyada (HoE 6:7; 13:8; 14:22; 16:5; Rom 14:1; 16:26; Gal 1:23; 6:10; Yihu 3:20)
2. Lakkoofsa 8 akka dhuunfaan Yesuusiin amanuutti fayyada. Jechi Ingiliffaa “believe” “faith” fi “trust” jedhu hundi jecha Giriik (pistis/pisteuo) jedhu hiiku (kan keenyattis “amananna” isa jedhu jechuudha) Wangeelli lameen qabiyye (doktiriina) fi dhuunfaa dha (lak 16; Yoh 1:12; 3:16)
3. Lakkoofsa 17 akka Kakuu Moofaa ti moo faayidaa, amanannaa, garraamummaa, ykn hirkattummaa qabata. Kun hiikkaa _ 2:4 dha. Bara Kakuu Moofaa doktiriin amantii dagaage hin turre, garuuu fakkeenya jireenya amantii odii hin taanee amantiin qubsaa’uu (Ibr 11) Abdiin sanyii namootaa dandeetti hojjechuu isaanii ykn sirriitti amanuu osoo hin taanee, amala Waaqayyooti. Waaqayyo qofaatu amanamaadha.

Hojii ciccimoo haala amantiitti yaamaman ni jiran.

a. Yaada jijjiirrachu (2:4, Marq 1:15; Luq 13:3, 5 HoE 3:16,19; 20:21)
b. amantii (1:16; Yoh 1:12; 3:16; HoE 16:31, Cuuphaan labsii hawaasaatti, amantii nam tokkoof godhamudha
c. Obbomamuu (2:13; 2Qor 9:13; 10:5; 1 Phex 1:2,22)
d. Obsa (2:7, Luq 18:1; 2Qor 4:1, 16; Gal 6:9; 2Tas 3:13)

Isaak kun haala kakuu haarawaati. Afeerraa Waaqayyo karaa Kiristoos nu dhiyaate argachuufi itti fufnees argachuu qabna. (lak 16; Yoh 1:12)

▣

**KQSAH “maqaa isaaf jedhee”**
**KJHH “maqaa isaaf”**
**KQSHH “jecha maqaa isaaf”**
**TIV “jecha kiristoosiif”**
**NKQJ “ulfina maqaasaaf”**

Mataduree addaa 10:9 ilaali

▣

**KQSAH, KQSHH “Ormoota hunda giddutti”**
**KJHH “saba hunda gidduutti”**
**TIV “ummata biyyoota gidduutti”**
**NKQJ “Ormoota hundatti”**

Kun wangeela duuniyaati. Abdiin dhiifamu cubbuu kan Waaqayyo Uma 3:15 sanyi namaa hundaafi. Duuti bikka bu’insa Yesuus ilmaan Addaam kufan hundaafi. (Yoh 3:16, 4:42; Ef 2:11 3:13; 1Xim 2:4; 4:10; Tit 2:11; 2Phex 3:9). Phaawuloos yaamamuu isaa Wangeela Waaqayyo Ormootatti lallabuutti ilaala. (HoE 9:15; 22:21; 26:17; Rom 11:13; 15:16; Gal 1:16; 2:29; Ef 3:2,8; 1Xim 2:7; 2Xim 4:17)

**MATADUREE ADDAA : GARDHABA WANGEELA BOB**

Isiin dubbistootaa ani qabxii kanarratti gardhabuukoo beekaa. Falamnii tiyoolojii koos kalkaniizim ykn moo Dispenseeshinaalizim miti garuuu wangeela Gireet komishini. Ani akka Waaqayyo dhiifama cubbuu bara baraa akka inni qabu nana amana. (fkn Uma 3:15, 12:3, Ba’u 19:5-6, Erm 31:31-34 Ezq 18; 36:22-39; HoE 2:23; 3:18; 4:28; 13:29; Rom 3:9-18, 19-20, 21-32,) warra bifaafi fakkaatti isaan uumaman (Uma 1:26-27) kakuunsa Kiristoosiin gamtoomani (Gal 3:28-29; Qol 3:11). Yesuus dinqii Waaqayyo, dhkatee ture garuuu amma muldhatedha. (Efe 2:11-3:14)!

Dur hubata kookanatu hiikkaa barruu na jalaa kuuta dibe (Yohaas). Barruu hunda keessa bahe.

Dhugumatti gardhaba kooti. (hiiktonni cufti kana qabu!) garuuu kun durtilmaama barruun fidedha.

**1:6 "Isinis"** Phaawuloos fakkeenya fiixee (sakatta'aan waldaa) simboo Waaqayyooti, garuuu dibbistoonni isaa fakkeenya haqa dhabeeyyii, araar dhabeeyi ulfina Waaqayyooti.

▣

**KQSAH, KJHH "warra Yesuus Kiristoosin waamamtan"**
**KQSHH "Yesuus Kiristoosiif akka taatan kan waamamtan"**
**TIV " warra Waaqayyo Yesuus Kiristoosif akka taatan isin waame"**
**KQJ "yaamicha isaan Yesuus Kiristoosiif kan taatan"**

Kun tarii

1. jechaan tapha "waldaa" jechuun "warra yaamamtani adda baatan" ykn "walitti qabamtan" jechudha.
2. filannoo humaa agarsiisuuf (Rom 8:29-30; 9:1; Ef1:4, 11; 3:21; 4:1,4)
3. hiikkoo kitaaba Qulqulluu Ingiliffaa jechama kanaa "isin warra yaamicha dhageessaniif Yesuus Kiristoosiif taatan" jedha.

Kunis hubannoo jechama kana akka KQSHH, TIV fi KQJ keessatti calaqise agarsiisa. Mataduree addaa gadii ilaali.

**MATADUREE ADDAA : YAAMAMUU**

Yeroo hunda Waaqayyoo yaamuutti, filachuuttiifi sossobuutti dursa fudhata (Yoh 6:44, 65; 15:16; 1Qor 1:12; Ef 1:4-5,11. Jechi "yaamichaa" kun bifa tiyoolojii heddun fayyada:

A. Cubbamoonni gara amantiitti Aaraara Waaqayyo hojii Kiristoosiin xumuramteeniifi irbuu afuuraan yaamaman (kletos, Rom 1:6-7; 9:24; kun 1Qor 1:1-2 fi 2Xim 1:9; 2Pex 1:10)
B. Yaamamuun cubbamtootaa maqaa Gooftaa fayyinaaf (epikaleo, HoE 2:21; 22:16; Rom 10:9-13) Himni kun akka dubbii kadhata yihudootaati.
C. Amantoonni jireenya akka Kiristoos jiraataniif yaamaman. (Klesis, 1Qor 1:26; 7:20; Ef 4:1, Filp 3:14; 2Tas 1:11; 2Xim 1:9)
D. Amantoonni hojii wangeelaaf yaamaman (HoE 13:2; 1Qor 12:4-7; Ef 4:1)

**Kitaaba Qulqulluu AOHH 1:7**

**7 Ammas isin warra Roomaa jiraattan, warra Waaqayyo jaallatee isaaf akka qulqullooftaniif isin waame hundumaan,"Waaqayyo abbaan keenya, gooftaan keenya Yesus Kristosis ayyaana, nagaas isiniif haa kennu!" jedheetan nagaa koo isiniif dhi' eessa.**

**1:7 "warra Waaqayyo jaallate"** jechamni kun hedduminaan Yesuusiif fayyada. (Mata 3:17; 17:5) Amma garuuu waldaa Roomaa jirtuuf ta'e! kun jaalala Waaqayyo ilmaan isaa amanamoo ta'aniif qabu agarsiisa. Daddabraan akkanaa Ef 1:20 keessattis ni argama (Gochaa Waaqayyoo bikka Yesuus godhe) fi 2:5-6 (gocha Yesuus bikka amantootaa godhedha)

▣ " **warra Roomaa jirtan**" Phaawuloos waldaa kana hin jalqabne. Eenyu akka hundeesse eenyu iyyuu hin beeku. Roomaan waldaa ishee duraan turtetti xalaayaa ittiin of beeksisedha. Kitaabni Roomaa lallaba phaawuloos lallabe keessa dhiyeessa baay'ee iddoo olaanaa qabudha. Yeroo sanatti Yihudotaa fi amntoota ormootaa gidduu muddamn jiraatus dhimmoota kana irratti yaada isaa dhiyeessus.

▣

**KQSAH "akka qulqullootaatti yaamaman"**
**KJHH, KQSHH, KQJ "qulqulloota akka ta'aniif yaamaman"**
**TIV "saba isaa akka ta'an yaamaman"**

Jechi "quqlulloota" jedhu kan agarsiisu iddo amantoonni kiristoosin qaban malee, cubbu dhabasaanii miti. Guddina Kiristoosin fakkaachuuti qaban agarsiisus qaba. Jechichi yoo mara dachaadha. Yoo Filp 4:21 malee. Haa ta'uti, kanuma keessattu waloodha. Kiristaana ta'uun qaama haawaasaa, maatii, dhaqnaa ta'u jechu dha.

Lakkoofsi 1 kan agarsiisu Phaawuloos ergamaa ta'uuf yaamamuusaati. Amantoonni "yaamamoota Yesuus Kiristoos" dha lakkoofsa 6 keessatti. Amantoonni akka "qulqullootaa" ti yaamamani jiru, lakkoofsa 7 keessatti. "yaamihci" kun akka Kakuu Haaraa ta'eeti dhugaa kaka'umsaa dursaa kan Waaqayyoo mirkaneessa. Namni kufe kamuu of hin yaamne (3:9-13; Isa 53:6; 1Pex 2:25), Waaqayyo yeroo hundumaa kaka'umsa fudhata (Yoh 6:44, 65; 15:16). Inni yeroo hunda irbuu gara keenyatti fida. Kun dhugaa amantii keenyaati. (qajeelummaa keenya or dhaabi seeraa keenya akkasumas tajaajila quubsaaf gahinsa keenya (1Qor 12:7, 11) fi jireenya Kiristaanummaa keenya. Mataduree armaan gadii ilaali.

**MATADUREE ADDAA : QULQULLOOTA**

Kun gita Ibrootaa kdash jedhuf isa Giriikif, hiikkaan bu'uuraasaa abba ta'e, waan ta'e, ykn iddo ta'e YHWHf faayiidaaf kaa'uu jechuudha. Jecha Ingiliffaa "aarsaa" jedhu agarsiisa. YHWH uumamsaatiin, (hafuuraa uumamaa odoo hin taane bara baraati) amala isaatiin (haamilee sirrachuun) namarra adda. Inni safara kan ittin warri kaan ittin safaramaniifi faradaman. Inni guddaa guddaan olii, tokkicha Qulqulluu, Qulqulleessa hundaati.

Waaqayyoo namoota waliiniif uume, garuuu kufaatiin (Uma 3) walitti dhufeenyaafi cabinsa haamilee Waaqa Quqlulluufi nama gidduutti fide. Waaqayyo uumaa kalaqa isaa bikkatti deebisuu filatee; kanaafis, sabni isaas akka "qulqullaa'an" isaan yaame (Lew 11:44; 19:2; 20:7, 26; 21:8) walitti dhufeenya amantii YHWH wajjiniin sabni isaa irbuu Isaan qabaniin qulqulloota ta'an, garuu akka qulqullummaan jiraatan yaamaman. (Mat 5:48) jireenyi qulqullummaa kun sababa amantoonni karaa jireenyaafi hojii hafuurri quqlulluu lubbuufi sammuu isaani keessa jiruuf Yesuusiin dhiifama argatani fudhatamanii jiraniif kun haala faallaa inni uumu:

1. qulqullaa'oo ta'uu sababa qajeelummaa Kiristoos
2. qulqullummaan jiraachuuf yaamamu sababa jiraatuu afuuraaf

Amantoonni "qulqulloota" (hagioi) dha. Sababa jireenya keessa jiruuf (1) fedha quqlullichaa (Abbaa) (2) hojii ilma Qulqullaa'aa (Yesuus); fi (3) jiraatu afuura Quqlulluu.
Kakuu Haaraa yoo mara qulqulloota dachaan yaama/yeroo tokko (Filp 4:12 keessattin ala) achii boodalle dacha dhuma. Fayyuu jechuun qaama maati, nafaafi ijaarsaa ta'uu jechudha. Amantiin kitaaba Quqlulluu argachuu irraa eegala gara waliiniitti ceha. Nuyi hundi ol qabamne jira (1Qor 12:11) fayyinaaf guddinaafi dandamachuu qaama Kiristoos waldaatti (1Qor 12:7) akka tajaajilluuf fayyineerra. Qulqullaa'uun amala maatummaati

▣ **"Waaqayyoo … ayyaana, nagaas isiniif haa kennu"** kun amala Phaawuloos yeroo eebbaan eegaluuti. Kunis aadaa Girikootaaf haasa'a "nagaa gaaffii" (*charein*) fi jecha kiristaanaa addaa "ayyaana" (*charis*)dha. Feetu Phaawuloos haasa'a Girikootaa kana aadaa nagaa gaaffii "shalom" ykn "nagaa" yihudootaa maka ta'a. Haata'uuti kun, ufumaa ta'innaadha. Tiyoolojiitti yoo mara ayyaanni nagaa dursuu hubadhaa.
▣ "**Waaqayyo Abbaa keenyarraa fi gooftaa keenya Yesuus Kiristos**" Phaawuloos idilumatti maqoota lameeniif durgala tokko fayyadma. (1Qor 1:3; Gal 1:3; Ef 1:2; Filp 1:2; 2Tas 1:2; 1Xim 1:1; 2Xim 1:2; Tit 1:4) kun karaa giraamarasaa namoota lameen tokkummaa kana ibsudha. Kun ayyaanummaafi qixxummaa Yesuus nyaq godha.

**MATADUREE ADDAA : ABBAA**

Kakuu Moofaa walitti dhiyeenya mootummaa Waaqayyo akka Abbaafi beeksisa.

1. Sabni Israa'el akka "ilmaan" YHWHti baayyinaan ibsamu (Hos 11:1; Mat 3:17)
2. Deebii keessatti Waaqayyo akka abbaatti ibsame Deb 1:31
3. Deebii 32 keessatti Israa'elonni "Ijoollee Isaa" jedhamani, Waaqayyos "Abbaa keessan" jedhame
4. dhahanni kun Far 103:13 fi 68:5 keessatti (abbaa abba maleeyi) jedhee kaa'a.
5. Raajoota keessatti beekkamaadha. (Isa 1:2; 63:8, Israa'el akka ilmaatt, Waaqayyo akka abbaatti 63:16; 64:8; Erm 3:4, 19;31:9)

Yesuus Araman ni dubbata, iddoo baayyee itti "Abbaan" akka Giriikitti muldhate, Pater, feetu isa Araman "Abbaa" (14:36) jedhu muldhisa. Akkuma jecha bara kana "Daad" ykn "Paapaa" jedhu bar asana walitti dhiyeenya Yesuus Abbaaf qabu agarsiisa. Kana baafachuun isaa moo duuka buutonnisaas akka walitti dhiyeenya keenya jabeeffannu nuun moo ni jajjabeessa. Jechi "Abbaa" jedhu bara Kakuu Moofaa qofa YHWHf fayyada ture, garuuu Yesuus irra deddeebia'ee fayyadame. Kun walitti dhufeenya haarawaa Waaqayyoon wajjiinii karaa Kiristoos ta'ee kana muldhisa.

**Kitaaba QulqulluuAOHH 1:8-15**

**8Duraan dursee, amantiin keessan gui.ttummaa biyya lafaatti waan beekameef sababii hunduma keessaniitiif jedhee,Yesus Kristosiin Waaqayyo koo nan galateeffadha. 9Ani wangeela ilma isaatii lallabuudhaan garaa koo guutuudhaan Waaqayyoof nan hojjedha; inni ani hojjedhuuf kunis yeroo hundumaa kadhata koo keessatti akkan isin yaadadhu ni beeka. 10Waaqayyo, jaalala isaa yoo ta'e, dhufee isin arguuf akka ana dandeessisuuf nan kadhadha. 11Ani kennaa hafuuraa isiniin ga 'uudhaan akka isin ittiin jabaattaniifan isin arguu yaada. 12Caalaadhumatti iyyuu amantii waliitiin akka jajjabeeffamnu, kana jechuunis is ni amantii kootiin, anis amantii keessaniin akka wal jajjabeessinuuf. 13Yaa obboloota ko, yeroo baay'ee dhufee isin arguudhaafakeekuu koo akka beektan nan jaalladha; garuuu yeroo hundumaa hammaammaatti ittifameera. Saba Waaqayyoo warra hin ta'in, warra biraa keessatti akkuman hojjedhe, hojii ija qabu is ni gidduuttis hojjechuufan ture. 14Ani saba hundumaafuu, warra Griikotaa fi, warra Griikota hin ta'iniifis, warra beektotaa fi warra wallaalotaafis kanan itti gaa,fatamu gatiitu ana irra jira; 15kanaaf ani isin warra Roomaa jiraattanitti immoo wangeela lallabuudhaaf dhimmamaa dha.**

**1:8 "duraan dursee"** kana keesatti "dursa" jechuun "eegala irraa" ykn "ni jalqaba" dha (J.B Filiipsi)

▣ **"Yesuus Kiristoosiin Waaqayyo koo nan galateeffadha"** Phaawuloos kadhatasa Waaqayyo yeroo mara karaa Yesuus Kiristoos dhaqqabsiifata. Yesuus karaa ittiin Waaqayyo bira gahamu isa qofaadha! Mataduree addaa: kdhatamaafi galata Phaawuloos 7:25 ilaali.

▣ **"hunduma keessaniif"** jechi "hunduma" jettu akkuma lak 7 feetu hinaaffaafi waldhibdee amantoota yihudaa dhiibbaa Neeroodhaan Roomiin gadhiisanii bahaniifi amantoota Ormoota waggoota muraasaaf isaan bakka bu'anii turan gidduu isa ture calaqisuuf ta'a. Roomaa 9-11 waanuma walfakkaataa kan ibsa.
Walitti qabuun kun "dadhabootaa" fi "jajjaboota" Rom 14:1-15:13, ta'uu ni danda'a. Waaqayyo waldooli Roomaa jiran hundaa ni jaalata, qixxee isaan jaallata.

▣ **"Amantiin keessan guutummaa biyya lafaatti waan beekkameef"** Roomaa 16:19 dhugaa walfakkaataa akkanaa dalga qabee dubbata. Kun sirumayyuu baayyee dubbii tuulu dha. Addunyaa Roomaan tuqanii (1Tas 1:8)

**1:9 "Waaqayyoof …. nin beeka"** Phaawuloos akka kakuu maqaa Waaqayyooti dubbata (9:1; 2Qor 1:23; 10:10-11, 31; 12:19; Gal 1:20: 1Tas 2:5) kun amala yihuudumma isaa ittin of dhugoomsudha.

▣ **"garaa koo guutuudhaan"** kun fakkeenya gaarii faayidaa pneuma afuura namaa (8:5, 10, 16; 12:11) akka jireenya namaatti fayyaduuti. (sunis, dhaloota, ruach Ibrootaa, Uma 2:7)

**1:10 "nan kadhadha"** Phaawuloos waldaa kana hin hundeessine, garuuu isaani kadhata (2Qor 11:28) akkuma waldoota isaa hundaaf godhu! Mataduree addaa : Kadhata amalaajii 9:3. Haa ta'uuti Phaawuloos hiriyyootaafi gargaartoota hedduu akka boqonnaan 16 ibsutti ni qaba.

▣ **"Waaqayyo jaalala isaa yoo ta'e dhufeen isin arga"** kun lak 13 fi 15:32n walmaddisa. Phaawuloos karoorri jireenyasaafi imalasaa akka karoorasaati itti hin dhiphanne, akka Waaqayyooti malee (HoE 18:21 1Qor 4:19; 16:7) mataduree addaa 12:2 ilaali.

**1:11 "isin arguu yaade"** kun 15:23 walmaddisa. Yeroo dheeraadhaaf Phaawuloos amantoota Roomaa jiran arguudhaaf akka hawwaa ture argina (HoE 19:21)

▣ **"ani kenna afuuraa isiniin gahuudhaan"** Jechamni "kenna hafuuraa" jedhu akka ilaa afuuraati ykn eebbaati tajaajila (11:29; 15:27) Phaawuloos akka nama addatti akka Ormootatti ergamuuf yaamameetti of ilaala. (lak 15)
▣ **"ittiin jabaattan"** kun ibsa yeroo isa fuulduratti ta'uuf jiru kan agarsiisu *hist+mi* ti
Mataduree addaa 5:2 ilaali

1:12 Kun akeeka waliini kiristaanummaati. Kennichi amantoota gurmeessuun gara hawaasa hojii walngeelaatti fiduudha. Amantoonni gaarummaaf kennamaniiru. (1Qor 12:7) kenni cufti faayida qabeessa. Kenni hundii afuura amantii keessa kennamani. (1Qor 12:11). Amantoonni hundi hojii guyyaa guutuuf yaamamaniiru, kennamaniiru. (Ef 4:11-12). Phaawuloos aboo ergamaa ta'uusaa sirritti ibseera. Waliif gaarummaa hawaasaas. Amantoonni waliif tolu.

**1:13 "Akka beektan nan barbaada"** kun tuqa dubbi Phaawuloos ergaa barbaachisaa dabarfatudha. (11:25; 1Qor 10:1; 12:1; 2Qor 1:8; 1Tas 4:13). Akeeka Yesuus hogbarruudha Wajjiin walfakkaata "Ameen, amen"

▣ **"hamma ammaatti ittifameera"** inni kun gochimni kan sichi ta'u agarsiisudha. Kun jechamni walfakkaataa kanaa 1 Tas 2:18 iddoo seeyxaanni bakka bu'aatti ni jira. Phaawuloos jireenyi isaa akka Waaqayyoon hogganamu amana, garuuu seeyxaanaan jeeqama. Hanguma ta'e lameenu dhugaadha. (Iyo 1-2; Dan 10) Faayidaan sagale kanaa 15:22 keessa jiru ittifama hojii wangeelaa kan hanga ammaa hinxumuramne (garuuu cufamee) ti.

**1:14 "Ani gatiitu narra jira"** Phaawuloos jecha kana Roomaa keessatti yeroo hedduu fayyadameera.

1. Phaawuloos wangeela Oromootatti lallabuuf gatiitu irra jira (asitti)
2. Phaawuloos "warra fooniitti" gatii irra hin jiru (8:12)
3. Waldaan Ormootaa waldaa ishii haadha taate Yeruusaalem jirtu gargaaruuf gatiitu irra jira (15:27)

▣ **"Giriikotatti"** kun ummata qaroome, aadome naannoo galaana Meeditaaraaniyaa. Aleeksaandar Za Gireetii fi hordoftoonni isaa addunyitti Helenaayizani turan Roomaanonni moo isaanirraa fudhatanii aadaa Giriikiin laaqanii jirani.

▣ **"warra Giriikoota hin ta'iiniif"** jechi kun (onomatopocia) saba hin baratiin ykn hin hammayoomiin jiran, gara kaabaatti argamaidha. Iniis warra afaan Giriik dubbachu hin dandeenyeef moggaafame. Haasofni isaanii sagalee "bar bar bar" jettu qabdi warra Giriikootaafi warra Roomaatti.

▣ **"Warra beektootaafi warra wallaaltootaafis"** jechi kun afaan Giriikaan jecha "baarbaar" jedhuun ni maddisa garuuu akkas jechuu miti. Kun garuuu karaa Birooootiin sabootaafi namootaan gahuufidha.

**Kitaaba Qulqulluu AOHH 1:16-17**
**16 Ani wangeelatti hin yeella'u, inni humna Waaqayyoo isa warra amantii qaban hundumaa, duraan dursee warra Yihudoo taa akkasumas warra Griikotaa fayyisuu dha. 17Qajeelummaan Waaqayyo namaaf kennu amantii irra ni dhaabata gara aman tiittis nama ni geessa. Kunis wangeela keessatti ni mul'ata; akkuma caafamee jiru immoo, "Namni amantiidhaan fuula Waaqayyoo duratti qajeelaa ta'e jireenya dhugaa ni jiraata".**

**1:16-17** lak 16-17 kitaabicha guutuun walfakkaata. Qabiyyeen kun walitti qabamee gulaalamee 3:21-31 keessa jira.

**1:16**

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KQSHH** | **"Ani wangeelatti hin yeella'u"** |
| **KJHH** | **"Ani wangeela Kiristoositti hin qaana'u"** |
| **TIV** | **"Ani wangeelatti amantaa guutuu qaba"** |
| **KQJ** | **"Ani oduu gammachiisaati hin qaana'u"** |

Phaawuloos feetu sagalee Kiristoos Marq 8:38 fi Luq 9:26ti seenuu isaa ta'a. Waa'ee qabiyyee wangeelaatti hin qaanofne ykn hojii isaa sakatta'uuti (2Xim 1:12, 16,18)

1Qor 1:23 keessatti yihudoonni wangeelatti qana'aniiran sababni isaas waan masiichaafi Giriikoota gidirseef akkasumas waa'ee du'aa ka'uu qaama ta'eef ture.

▣ **"fayyisuudha"** Kakuu Moofaa keessatti, jechi Ibrootaa (Yasho) dursee kan agarsiisu fayyina qaamaati. (Yoonaas 5:15), garuuu Kakuu Haaraa jechi Giriiki (sozo) dursa fayyina hafuura agarsiisa. (1Qor 1:18,21) kitaaba Roobart. Bi Gindi/stoon, synonyms fo the old Testament, ful 124-126.

▣

**KQSAH "gara warra amantii qaban hundumaa"**
**KJHH "warra amanan hundumatti"**
**KQSHH "garra warra amantii qaban hundumaa**
**TIV "warra amanan hundumaa"**
**KQJ "warra amantii qaban hundumaa"**

Wangeelli nama hundumaafi (Oh, akkamiin jaaladhaa ani jechoota "tokkoon tokkoo namaa", "eenyuyyuu" "hundumaa" wanta jedhan kana) garuuu amanuun haala fudhatamuu keessaa isa tokkodha (HoE 16:30-31) Inni Birooo dhiifamu cubbuuti (Mar 1:15; HoE 3:16, 19; 20:21) Waaqayyo sanyi namaa wajjiin kakuun walarga. Inni yeroo hunda jalqabasaa ofitti fudhateeti ajandaa qopheessa. (Yon 6:44, 65). Garuuu wantoota garagaalcha kanaa ta'an moo heddutu jira, qaboo 1:5 ilaali.

Jechi Giriika, asitti "amantiin" hiikkame afaan Ingiliffaa "amanti" amanamaa jedhutti hiikkame. Jechii Giriika isa kana Ingiliffaa kamuu caalaa yaa'a qaba. Agarsiiftu yeroo ammaati. Amantii qusachuun dheeraffachuuf (1Qor 1:18; 15:2; 2Qor 2:15; 1Tas 4:14)!

Ka'umsatti jecha Giriik "amantii" jedhu firoomaansa kan Ibroota dhaabbi tolaa,bargaanfataa hin sochoone jechuudha. Faallaan kanaa Kakuu Moofaa keessa jiru "miilli koo biyyoo suphee mucucaattu irra (Far 40:2) "miilli koo mucucaate" (Far 73:2) Hiddi jecha Ibrootaan firoomu "emun, emunah, aman, jedhe kunneen warra amanamoo, garraamii, ykn hirkatto ta'aniif fayyada. Amantiin qusatame dandeetti sanyiinnamaa amanamoo ta'uu dhabuun kufe hin calaqisu, garuuu kan Waaqayyo malee! Abdiin amantootaa dandeetti isaaniin hin barbamu, amalaafi abdii Waaqayyoon malee. amanamu isaa, amanannaa isaa, abdii isaati.

▣ **"Duraan dursee warra yihudootaa"** sababiin kanaa 2:9-10 fi 3 keessatti balinaan eerame jira. Caalaattimoo boqonnaa 9-11 keessatti. Dubbii Yesuus Mar 10:6; 15:24; Marq 7:27 keessatti dubbateti fufee jira.

Kun feetu waldhibdee amantoota yihudaafi Ormoota waldaa Roomaa jiraniittis rigaata ni qaba.

1:17 "Qajeelummaan Waaqayyoo" jechamni kun kan agarsiisu (1) amala Waaqayyo (2) akkatti kitaaba Qulqulluu Jerusaalem "kana kan heera Waaqayyo agarsiisu" jedha. Wayita kun haala jireenya hamiltummaa amantootaa agarsiisu, murtoo qjaeelummaa Isaa dura dhaabii seerasaaf dhimmama. Olmaan Waaqayyoo qajeelummaa gara, kufaati sanyi namaa cubbamaafi dhufee gaafa bikkatti deebisu qaba akka "murtoon akka amantiiti" isa jedhu bahe. (2Qor 5:21; Filp 3:9) kun lakkoofsa jireenya Maartiin Luutariifi tiyooloojii isaa jijjiire ta'e. Haa ta'uuti galmi tolinaa qulqullina, Kiristoosin fakkaachu ykn amala Waaqayyo isa qajeelaa argachuudha. (Rom 8:28-29; Ef 1:4; 2:10; Gal 4:19) qajeelummaan sagalee seera qabeessummaa qofa miti, jireenya quqlullaa'oof yaamicha yoo kana feekkeenyi Waaqayyo sanyi namaa irraa qabu bakkatti deebi'a (2Qor 5:21)

**MATADUREE ADDAA : QAJEELUMMAA**

"Qajeelummaan" jecha baayyee murteessaa ta'e bartoonni kitaaba quqlulluu qo'annoo dhuunfaa irratti gochu qabanidha.

Kakuu Moofaa keessatti amalli Waaqayyo akka "sirrii" ykn "qajeelaa"ti ibsameera. Jechi Mesopotaamiyaa matumti isaa kan dhufe ciisa lagaa irraa wayita ijaarsaa diriira lafaa walqixaafi dhaabbi keenyaniifi dallaa ittiin ilaaluuf fayyadamarra ture. Waaqayyo jechicha jallisee ittiin of ibse. Inni roga sorooroo wanti hundi ittiin of safaru ta'e. Jechi kunis qajeelummaa Waaqayyoofi murtii isaa isa sirrii kan agarsiisu ta'e.

Sanyiin namaa fakkeenya Waaqayyoon uumame. (Uma 1:26-27; 5:1, 3; 9:6) sanyiin namaa Waaqayyoon waloomuuf uumame. Uumamni cufti waltajjii ykn girdoo walitti dhufeenya Waaqayyoofi sanyii namaati. Waaqayyo uumaa isaa isa hundaan gararraa sanyi namaa, isa beekuuf, isa jaalachuun sanyi namaas ni qoratame. (Uma 3) cimdiin ka'umsa qormaaticha ni kufan. Kun moo bu'aa addaan cituu walitti dhufeenya Waaqayyoofi sanyii namootaa buuse. (Uma 3; Rom 5:12-21)

Waaqayyo walooma kana dhiinsee deebisee dhaabuuf abdii kenne. (Uma 3:15) innis kana kan godhe fedhii isaatiiniifi ilma isaatiini. Namoonni kana deebisanii gochuuf dadhaboodha. (Rom 1:8-3:20)

Kufaatiin booda, fedhiin Waaqayyo deebisanii dhaabu qabu afeerraa isaafi gaabii, amantiifi abboomamu sanyi namaa irratti kakuu bu'urfate ture. Sababa kufaatii, sanyiin namaa waan sirrii gochuullee dhadhabe (Rom 3:21-31, Gal 3). Waaqayyo ofumasaa namoota kakuu diigan deebisee ijaaruuf kaka'umsa godhate. Kanas kana godhe.

1. Labsuudhaan cubbamu sanyii namaa karaa hojii Kiristoosiin qajeellumaati (qajeelummaa qorannoo)
2. Tola kennuu sanyii namaa karaa hojii Kiristoosiin qajeelumaatti (qajeelummaa argatu)
3. Dhiyeessuu afuuraa cuubbu isaa qajeelummaa qajeelummaa hamilee) tolchu sanyii namaaf
4. Deebisanii dhaabu Walooma lafa Eden fakkeenya Waaqayyoo karaa Kiristoos deebisanii dhaabu (Uma 1:26-27) amantoota keessatti (qajeelummaa walitti dhufeenyaa)

Haa ta'uuti, Waaqayyo deebii seera qabeessa barbaada. Waaqayyo ni labsa (tola kenna) dhiyeessaa, garuuu namni dirqama deebii kennuu qabu, ittis fufuu qabu.

1. dhiifamu cubbuu
2. amantii
3. abboommii haala jireenyaa
4. obsaan eeggachuu

Qajeelummaan, kanaafu, irbuudha, gocha garagaalchaa Waaqayyoofi umaasaa hundaan olii gidduuti ta'edha. Kunis amala Waaqayyoo, hojii Kiristoosiifi dandeechisuu afuuraa, irratti bu'uraa'e gara hundi dhuunfaafi itti fufinsaan sirritti deebii itti kennu qabudha. Dubbichis "murtii amantii" jedhama. Dubbichi wangeela keessatti muldhateera, garuuu akka kanatti miti. Dura Phaawuloosin isa jecha Girikiin "qajeelummaa" si'a 100 caalaa itti fayydameen, ibsame.

Phaawuloos, barsiisummaan kan leenji'e, jecha dikaiousune akka Ibruumaa jecha SDQ, Septu'aaginti itti fayyadame, hogbarruu Girikootaa irraa miti. Barreeffama Giriikotaa keessatti jechichi eegumsa ayyaanaafi hawaasaa isa mirkansuun walitti hidha. Akka Ibrootaatti seera qabeessumaatti caaseeffama. YHWHn sirridha, naamusaadha, Waaqa hamilaadha. Inni ummannisaa akka amala isaa calaqisu barbaada. Sanyiin namaa cubbuutti dhiqame uumama haarawaa ta'eera. Haarofni kun jireenya haarawaa Waaqominaa (kaatolikni Roomaa murtii haqaatti xiyyeeffatu) dhalche. Gatii Israa'elonni seera Waaqaan bulaniif, jireenya hawaasaa (safuu) fi aarsaa (fedha Waaqayyoo) gidduu daangaan hin turre. Garaagaruummaa kun jechoota Ibrootaafi Giriikootaa irra gara Ingiliffaati "haqa" (hawaasa ilaalchisee) fi qajeelummaa (amantii ilaalchisee) hiikkame.

Wangeelli (oduun gammachiisaa) yesuus kufaatii sanyii namaa isa walooma Waaqayyo wajjiin walitti deebisee dhaabudha. Dubbiin dalgaa Phaawuloos Waaqayyo, karaa Kiristoos, yakkamtoota ni quqlulleessa jechuusaati. Kun kan raawwatem karaa jaalala, araaraafi ulfina Abbaa; lubbuu ilmaa, du'aafi ka'umsa fi afuufaa afuuraaniifi gara wangeelaatti dhufunidha. Haqa kennuun tola Waaqayyooti, garuuu Waaqummaan baafamu qaba. (Qixni Awugistoosi, walabooma wangeelaa irratti cimsee haaromsa isa calaqisiisuufi nyaqii kaaatolikni Roomaa jijjiiramaa jaalala jireenyaafi amanooma qabdu). Haaroomsaaf jechi" qajeelummaan Waaqayyo" jedhu abbummaa waliigalaa (adeemsa cubbamtoota sanyii namaa, Waaqayyoon akka fudhataman taasisu (qulqulla'ina iddoo), wayita kaatolikoota Roomaaf abbummaa dhuunfaa ta'u), adeemsa caalaatti Waaqayyo fakkaachu (qulqullaa'uu caalaatti muldhatu) dha. Dhugaati garuuu lameenumasaati?!

Ilaalcha kootti kitaabni Quqlulluu guutummaatti, seera uumaa 4 – Muldhata 20, deebisanii dhaabuu walooma Edenidha. Kitaabni qulqulluu walooma Waaqayyoofi sanyii namaa ardii kanarratti qabaniin eegala (Uma 1-2) yoo xumurus akkasuma (Muldh 21-22) akeekniifi fakkeenyii Waaqayyoo iddooti ni deebi'a.

Yaada marii armaan olii kuusaa gochuuf dubbisnii Kakuu Haaraa armaan gadii jecha Giriika agarsiisu.

1. Qajeelummaa Waaqayyo (abbaa murtummaa Waaqayyoo)
   a. Roomaa 3:26
   b. 2 Tasalonqee 1:5-6
   c. 2Ximootiwoos 4:8
   d. Muldhata 16:5
2. Qjeelummaa Yesuus
   a. Hojii ergamootaa 3:14; 7:35; 22:14 (maqaa Masiih)
   b. Maatewoos 27:19
   c. 1Yohaannis 2:1, 29; 3:7
3. Fedhiin Waaqayyo uumamaaf qabu qajeelummaadha.
   a. Leewwoota 19:2
   b. Maatewoos 5:48 (iff 5:17-20)
4. Akkatti Waaqayyo qajeelummaa hoomishuufi dhiyeessu
   a. Roomaa 3:21-31
   b. Roomaa 4

c. Roomaa 5:6-11
d. Galaatiyaa 3:6-14
e. Waaqayyoon kenname
   1. Roomaa 3:24; 6:23
   2. 1Qoronxoos 1:30
   3. Efesoon 2:8-9
f. Amantiin argama
   1. Roomaa 1:17; 3:22, 26; 4:3, 5, 13; 9:30; 10:4, 6, 10
   2. 1 Qoronxoos 5:21
g. Karaa gocha Ilmaa
   1. Roomaa 5:21-31
   2. 2Qoronxoos 5:21
   3. Filiphosiyaas 2:6-11

5. Fedhiin Waaqayyo miltoowwonsaa akka qajeelaniifi
   a. Maatewoos 5:3-48; 7:24-27
   b. Roomaa 2:13; 5:1-5; 6:1-23
   c. 2Qoronxoos 6:14
   d. 1Ximootiwoos 6:11
   e. 2Ximootiwoos 2:22; 3:16
   f. 1Yohaannis 3:7
   g. 1Pheexroos 2:24
6. Waaqayyo addunyaa qajeelummaan ilaala (murtoof)
   a. Hojii ergamtootaa 17:31
   b. 2Ximootiwoos 4:8

Qajeelummaan amala Waaqayyoodha, isa karaa Kiristoos sanyii namaa cubbamoo ta'aniif kennamedha. Innis

1. Labsii Waaqayyoo
2. Kennaa Waaqayyoo
3. Hojii Kiristoosidha.

Akkasumas deemsa qajeelummaa jabaa, hin sochoone ta'uudha, gaaf tokko lammata dhufaatii wajjiin wal fudhata. Waloomni Waaqayyoo wajjiinii amantiin deebi'ee ni dhaabbata, garuuu du'a irratti addaafi addatti walarguuf guddinni baroota jireenyaa guutuu ta'a.

Fakkeenyi gaaruu Guuboo jechootaafi xalayootaa Phaawuloos irraa IVP waraabame kunooti.

"Kalviin, Luutaar caalatti, qajeelummaa Waaqayyoo nyaq godhead. Ilaalchi Luutaar qajeelummaa Waaqayyoo irratti qabu yakka jalaa baasuudha. Kalviin garuuu haala walqunnamtii miidhagaa ykn qajeelummaa Waaqayyoo gara keenyatti muldhisu irratti nyaq godha. (ful 834)

Anaaf walitti dhufeenyi amantoonni Waaqayyo wajjiin qaban haala sadii qaba.

1. Wangeelli nama (waldaa bahaafi nyaqi Kalviin)
2. Wangeelli dhugaadha (nyaqi Auwqisxoosiifi Luutar
3. Wangeelli jireenya jijjiirame (nyaqi kaatolikaa) ti.

Hundi dhugaadha, kiristaanummaa kitaaba Qulqulluu jecha fayyaaleessaafid hageetti qabeessa ta'e qabamuu qaba. Yoo namni kana ol ka'ee ykn gadi bu'e rakkinatu dhalata.

Yesuusiin anaa dhufu jenna
Wangeela ni amanna
Fakkeenya Kiristoos uffanna

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KJHH** | **"amantiirraa gara amantiitti"** |
| **KQSHH** | **"amantii keessan amantiif"** |
| **TIV** | **"amantii keessanidha, jalqabaa hanga dhumaatti"** |
| **KQJ** | **"hangam amantiin gara amantiiti geessu agarsiisa"** |

Jechamni kun durgala lama qaba, ek fie is wara ceehumsaa ykn guddina agarsiisa. Isaanuma kana akka caasaati 2Qor 2:16 fi apo fie is 2Qor 3:18 keessatti fayyadameera. Kiristaanummaan kennaa amalaafi akka jireenyaa ta'an jedhamee eeggamudha.

Jechama kana hiikkuuf carraa hedduutu jira. Kakuu Haaraa Williyaam akka "karaa amantii isa gara amantii guddaati qajeelchu" jedhtu hiika. Qabxileen tiyooloojii gurguddo

(1) amantiin Waaqayyo irraa dhufuu ("muldhatu"); (2 ) sanyiin namaa deebii kennuufi itti fufees kennuun dirqama; (3) amantiin jireenya Waaqayyoon dhalatu qaba.

Wanni tokko mirkanadha, "amantiin" Kiristoos murteessaa ta'uun. (5:1; Filp 3:9). Afeeraan Waaqayyoo fayyinaa deebii amantiif kennamu irratti hirkata. (Mar 1:15; Yoh 1:12; 3:16; HoE 3:16, 19;20:21)

▣

**KQSAH** **"Garuuu namni qajeelaadha amantiin jiraata"**
**KJHH** **"Inni sirriin amantiin jiraachu danda'a"**
**KQSHH** **"Inni qajeelaa ta'e tokko amantiin jiraata ta'a"**
**TIV** **"Inni Waaqayyoon qajeelaa ta'e karaa amantii jiraatuu ni danda'a"**
**KQJ** **"namni qajeelaan jireenya karaa amantii barbaada."**

Kun Anbaaqoom 2:4 keessaa waraabame, garuuu barruu Masoriitik ykn Septuu Ajentiitti irraa miti. Kakuu Moofaa keessatti jechi "amantii" jedhu hiikkaa dalgaa "amanannaa" "amanamummaa" ykn "garraamummaa" ti dagaaga. Amantiin fayyinaa amanamummaa Waaqayyo irratti bu'ura'a. (3:5, 21, 22, 25, 26) Haata'uuti amanamummaan namaa dhiyeessi Waaqayyo irratti akka of gatu ragaaadha. Barruun walfakkaataa Kakuu Moofaa, Gal 3:11 fi Ibr 10:38 keessatti tuqameera. Barruun itti aanu Roomaa 1:18-3:20, faanaa amanamummaa Waaqayyoo muldhisa.

Hangam takka qeeqxonni hammayyaa jechama xumuraa kana akka hubatan agarsiisuun ni fayyada.

1. Vaughaan : "amantiin eegalame amantiin xumurame
2. Hoodgee : "amantiin qofa"
3. Barreeti : "bu'uura homaarratti miti amantii malee"
4. Knooksi : "amantiin jalqabaafi xumura"
5. Silaaggi : "qajeelaan amantiin alaa jiraatu danda'a"

**Kitaaba Qulqulluu AOHH 1:28-32**

**[18] Dheekkamsi Waaqayyoo, Waaqayyo malee jiraachuu fi, jal'ina namootaa hunduma irratti waaqa irraa ni mul'ata, isaanoo jal' ina isaaniitiin dhugaa gad ni ukaamsu. [19]W aa' ee Waaqayyootiif beekuun kan namaaf danda' amu isaaniifis hubatamaa dha, kanas Waaqayyo ofii isaa isaanitti hubachiiseera. [20]Bifni isaa ijaan hin argamne; garuuu humni isaa inni bara baraa, waaqummaan isaas erga biyyi lafaa uumamee jalqabee waan inni uume irratti qalbifatamee yaadatti argamuu in danda'a; kanaafis waan itti qabatan hin qaban. [21]Waaqayyoon utuma beekanii, akka Waaqayyootti ulfina hin laanneef,galatas isaafhin ga1chine; garuuu yaada isaaniitiin waan waa'ee hin baafne duukaa bu' an, sammuun isaanii inni duudaanis in dukkaneeffame. [22]ogeessota utuma ofiin jedhanii gowwooman; [23]ulfina Waaqayyo isa hin duunee, bifa nama isa du'utti, bifa simbirrootaatti, bifa bineensa miilla afuriitti, bifa warra lafa irra munyuuqaniittis diddiiran.**

**1:18 "fi"** yaadadha jechi "fi" jettu kun lakkoofsa 16-17ti si'a sadii fayyadde, amma moo qabxii wangeela isa kan Phaawuloos beeksisa (1:18-3:31) isa humna Waaqayyoo gara fayyinaa wajjiin walbira qabaa (1:16-17)

▣ **"Dheekkamsa Waaqayyoof"** Lakkoofsa 18-23 saba amantii hin qabne bara Phaawuloos jiraate keessa turan ni agarsiisa. Amalli ittiin Phaawuloos amantii maleeyoota ibse hogbarru yihudoota keessas ni jira. (Wisdom of Solomon 13:1 fi Letter of Aristeas, 134-38) fi akkasumas barreeffama naamusaa Giriikotaafi Roomotaa keessas ni jira. Kitaaumti Quqlulluu jaalala Waaqayyoo nutti himu haadha'a isaas ni muldhisa. (Lak 23-32, 2:5, 8; 3:5; 4:15; 5:9; 9:22; 12:19; 13:4-5)

Lameen jaalalaafi jibbi jechoota namaa Waaqayyoof oolanidha. Dhugaa Waaqayyo kara itti amantoonni isaa deebii kennaniifi jiraatan ibsanidha. Hi'iin takka fedha guuta fedha Waaqayyoo (wangeelli Kiristoos) dhimma biyya lafaa, akkuma lakkoofsarra jiruu, fi dhimma dhuma biyya lafaa (2:5) dhalata. Haa ta'uuti,

Waaqayyo akka haaloo bahutti hin ilaalamu. hagalaaluun “hojii keessumma” (Isa 28:21) Jaalalli amalisaati, Deb 5:9 hanga 5:10; 7:9 walbira qabaa isaan haqaafi araari dursa qaba. Fedhiin hundi ammallee Waaqayyoof gatii qaba. Ral 12:13-14; Gal 6:7) kiristaanille (4:10-12; 2Qor 5:10)

▣ **“hin muldhate”** Akkuma wangeelli dhugaa muldhate ta’e (lak 17) dheekkamsi Waaqayyoos! Hojiin barbaacha namoota ykn loojiik hin taane.

▣ **“warra dhugaa ukkaamsan”** kun hii’ii fedha guutuu kan namootaa agarsiisa (lak 21, 31; Yoh 3:17-21) jibbinsa miti. Jechamnichi (1) dhugaa utuu beekanii hacuucuu (2) malli jireenyasaanii akka isaan dhugaa didan agarsiisa ykn (3) jireenyisaanii fi/ykn jechisaanii akka warri kaan hin beekiin ykn hin fudhatiin sababa ta’u jechudha.

**MATADUREE ADDAA “DHUGAA” BARRUU PHAAWULOOS KEESSATTI**

Itti fayyadamni Phaawuloos jechoota kanaafi biftisaanii jecha waligita Kakuu Moofaa keessaa, emet, isa amanamummaa jedhu ykn amanummaa jedhudha. Barreeffama yihudootaa kitaaboota gidduuti akka faallaa sobdummaa isa ta’e dhugaaf itti fayyadamanii jiru. Feetu kan walitti dhiyeenya qabu, maraa Galaana Deed Sii “Faaruu Galataa” isa jedhudha; innis iddo doktiriina muldhataatti fayyade. Miseensonni hawaasa Eessenee “ragaa dhugaa ta’ani argaman.

Phaawuloos jechicha akka itti tuqata wangeela Kiristoos fayyadame.

1. Roomaa 1:18, 25; 2:8, 20; 3:7; 15:8
2. 1Qoronxoos 13:6
3. 2Qoronxoos 4:2; 6:7; 11:10; 13:8
4. Galaatiyaa 2:5, 14; 5:7
5. Efesoon 1:13; 6:14
6. Qolaasiyaas 1:5,6
7. 2Tasalonqee 2:10, 12, 13
8. 1Ximootiwoos 2:4; 3:15; 4:3; 6:5
9. 2Ximootiwoos 2:15, 18, 25; 3:7, 8; 4:4
10. Tiitoo 1:1, 14

Phaawuloos jechicha akka dubbii sirrii ibsuutti fayyadame

1. Hojii Ergamoota 25:25
2. Roomaa 9:1
3. 2Qoronxoos 7;14; 12:6
4. Efesoon 4:25
5. Filphoosiyaas 1:18
6. 1Ximootiwoos 2:7

Inni ittiin kaka’umsaasaa 1Qor 5:8 keessattiifi mala jireenyaa (kiristaana hundaaf) Ef 4:24; 5:9; Filp 4:8 keessatti agarsiisuuf fayyadame. Darbe darbee anamootaafis ni fayydama.

1. Waaqayyof, Rom 3:4 (Yoh 3:33; 17:17)
2. Yesuusiif, Ef 4:21 (Yohfis 14:6)
3. ragaa ergamummaa Tit 1:13
4. Phaawuloosiif 2Qor 6:8

Phaawuloos bifa jaargochaan (alelhevo) Galaatiyaa 4:16 fi Ef 4:15 iddooti wangeela agarsiisuuti fayyadameera. Qo’annoo caalmaaf Coliin Biraawn (The New International Dictionary of New Testament Theology, Vol 3 ful 784-902 jiru dubbisaa.

**1:19 “Waa’ee Waaqayyootiif beekuun kan namaaf danda’amu isaaniifis hubatamaadha, kanas Waaqqyyo ofiisaa isaanitti hubachiiseera.”** Namoonni hundi uumama irraa waan ta’e waa’ee Waaqayyoo ni beeku. (lak 20; Iyo 12:7-10 fi Far 19:1-6) uumama keessa J, 12-15 (barruu keessa) akkasumas safuu). Tiyoolojiidhaan kun “muldhata uumamaa” jedhama. Guutuu miti, garuuu bu’uura ittigaafatama Waaqayyoo baachuu Waaqayyoodhaa warra “muldhata addaa” Waaqayyoo isa barruu keessaa ykn isa gonkumaa Yesuus keessaa (Qol 1:15; 2:9) dhiyaatan hin beekneefidha.

Jechi "beekuu" jedhu Kakuu Haaraa keessatti bifa lamaan faayidaa irra oolee argina (1) miira walitti dhufeenya dhuunfaa isa dhiyeenyaa kan Kakuu Moofaa (Uma 4:1, Erm 1:5) fi (2) miira Giriikiin moo dhugaa dhimmaa (lak 21)ti. Wangeelli lameen anaa dhufuu namaafi ergaa namichaa isa dhufuufi amanamuuti. Lakkoofsa kana keessatti miira #2 qofa tajaajila.

1:20 Lakkoofsi kun Waaqayyoo sadii ibsa

1. Dhokatumma Isaa (amala Isaa Qol 1:15, 1Xim1:17; Ibr 11:27)
2. Humnasaa bara baraa (Umama Umaa keessatti argame)
3. Ayyaana Uumaa Isaa (gochaafi kaka'umsa Umaasaa keessatti muldhatedha)

▣ **"erga biyyi lafaa uumame jalqabee"** durgalli *apo* n akka miira yeroo gabaabduutitti tajaajila. jechamni wal gitaa ta'e Marq 10:6; 13:19; 2Phex 3:4. Waaqni dhokataan amma (1) muldhataa uumeen (lak kana) (2) barruudhaan (Far 19, 119) fi (2) nama biraatu Yesuus keessatti (Yoh 14:9) muldhateera.

▣ **"Waaqummaansaa"** Barruu Giriikootaa theiotes jedhu irraa "simboo Waaqummaa" ti hiikkame kun caalatti Yesuun muldhate. Innis addatti fakkeetti Waaqummaa baadhate as bahe (2Qor 4:4; Ibr 1:3). Inni Mildhu Waaqayyoo guutummaa bifa namummaanidha. (Qol 1:19; 2:9) Dhugaan wangeelichaa inni gadii kuftuun sanyii namaa, karaa kiristoositti amannuun, fakkaati kiristoosummaa qoodatte. (Ibr 12:10; 1Yoh 3:2) Fakkeenyi Waaqayyoo namooma Uma (1:26-27) keessatti deebi'ee dhaabame. (theios, 1Phex 1:3-4)

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"sirriitti muldhate, kara isa ta'eenis hubatame"** |
| **KJHH** | **"sirriitti muldhatan, karaa warra tolfamanis hubatanii** |
| **KQSHH** | **"karaa wantoota tolcheen hubatame"** |
| **TIV** | **"sirriitti muldhate, karaa tolcha Waaqayyoos hubatamani"** |
| **KQJ** | **"sirriitti muldhate sammuu waan uume hubatuun"** |

Walmakumsi *noeo* (Mat 15:17 fi *Kathorao* (lameenu waanta taasifamaa jiru hubannoo dhugaa agarsiisan. Waaqayyo kitaaboota lama barreesse (1) uumama fi (2) barruu. Lameenu hubanno namootaafi deebii kennu barbaadu (ogummaa, 13:1-9)

▣ **"kanaafis waan itti qabatan hin qaban"** Akka barruutti kun "ittisa seeraa hin qabu" Jechi Giriikaa kun (fi apologeomai) asitti fi 2:1 Kakuu Haaraa keessatti qofa fayyadeera. Akeekni tiyoolojii boqonnaa 1:18-3:20 inni jiru dhabamuu sanyii namootaa isa hafuuraa ta'uusaa hubadhaa. Namoonni beekkomsa qabaniif itti gaafatamoodha. Waaqayyo namootaittigaafatama irra kan tursu isa beekaniifi isa beeku danda'aniif qofa.

**1:21 "Waaqayyo utuma beekanii"** Namoonni amantiin guddachaa hin jirani – hinumaauu jilirratti guddatani Eegi uumama 3 namoomni gadi bu'aa deeme. Dukkanni caalaa deeme!

▣ **"Akka Waaqayyootti ulfina hin lanneef, galatas isaaf hin galchine"** kun waan gaddisiisaa warra Waaqmaleeyota lak 23, 24 (Erm 2:9-13) keessaati.)

▣ **"garuuu yaada isaaniitiin waan waa'ee hin baafne duukaa bu'an, sammuunsaanii inni duudaanis hin dukkanooffame."** kakuun Haarawaa: A New Translation, Olaf M. Morlien jedhu "waa'ee isaatiif waan hin laaneen of dhiphisanii, sammuunsaanii inni gadhichis dukkanatti galee" jedhee hiika. Falamni amantii namootaa siidaa afuura shiftoomaafi gootummaati. (lak 22; Qol 2:16-23)
faargochi lameen kan yeroo darban agarsiisan hubannoofi deebii rogaa dhabuunsaanii sababa Waaqayyo lapheesaanii doomse moo diddaan ifasaa laphee isaa jabeessee (iff 10:12-16, 2Mot 17:15, Erm2:5; Ef 4:17-19)?

▣ **"sammuu"** kun miira Kakuu Moofaa namichaan tajaajilarra oole. Haa ta'uuti karaa ittin tuqata deemsa yaaduufi miiramuti. mataduree addaa 1:24 ilaali.

**1:22**

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KJHH** | **"utuu qoroomaaf hawwanii, gowwoomani"** |
| **KQSHH** | **"qarooma utu fedhani, gowwamani"** |

**TIV** **"nuyi hayyoota ofiin jedhani garuuu gowwamanii"**
**KQJ** **"hanquma hayyoota ofiin jedhan, gadhumaan guddachaa sokkan"**
Jecha Giriikootaa "gowwaa" isa jedhurra jecha Ingilz isa "fajajaa" jedhu arganna. Rakkinni gootummaafi boona gara Uma 3 ti deebi'a. Beekkomsi addaan bahinsaafi murtii fide. Beekkomsi namoota yoo mara dogoggora jechuu miti, garuuu kan barootaa miti.

**1:23** Fedha guutuun balfamaa, namoonni fakkaatti Waaqayyoon uumaman (Uma 1:26-27; 5:1,3; 9:6) Waaqayyoon gara waan biyya lafaatti geeddaran isaan

1. Bineensootaatti (Misiroota)
2. humna uumamaatti (Fariisota)
3. tolcha harka namaatti (Giriikii/Roomaa) irreessaa 1)

Sabni Waaqayyoole kana godhaniiru. (Deb 4:15-24)
Fakkaatiin haarawaa cubbuu durii

1. Qananii addunyaa (Dachii haadha)
2. Ilaalcha warra bahaa haarawaa (Dinqoota, hafuuroota ayyaan xuraawoota)
3. Waaqarra gargaluu namootaa (Maarkizumma, Yutoopuma yaadaan dagaaguma, fi amantii siyaasatti cala'uu ykn barnoota)
4. qarooma saayinsii dawaa (fayyaa fi yeroo dheeraa jiraachuu)
5. Barnoota

▣ **"ulfina"** mataduree addaa 3:23 ilaalii

▣ **"bifa namaa ida du'a"** mataduree addaa aanee jiru ilaali

**MATADUREE ADDAA : BALLEESSUU DUGUUGUU MALAAMALU (PHTHEIRO)**
Hiikkaan bu'uuraa jecha kanaa phtheirodha. Balleessu malaamaluu ykn ajeessudha. Akkasumas

1. duguuggaa maallaqaa (2Qor 7:2)
2. qamaan manca'uu (1Qor 3:17a)
3. malaamalummaa hamilee (Roomaa 1:23, 8:21, 1Qor 15:33 42, 50; Gal 6:8; Mul 19:2)
4. Sagaagaltummaa (2Qor 11:3)
5. Mancaasu bara baraa (2Phex 2:12, 19)
6. Aadaa namootaa badan (Qol 2:22, 1Qor 3:17b)

Jechumti kun faallaa bitaa ta'een barru walfakkaataa keessatti tajaajila (Rom 1:23; 1Qor 9:25; 15:50, 53) walmaddinsi walicna qaama biyya lafaafi qaama biyya Waaqaa hubadha.

1. Malaamaltummaafi al malaammaltummaa 1Qor 15:42, 50
2. Salphisuufi ulfeessuu 1Qor 15:43
3. dadhabinaafi humnoomu 1Qor 15:45
4. qaama uumamaafi qaama afuuraa 1Qor 15:44
5. Addaam jalqabaafi Addaam xumuraa 1Qor 15:45
6. Fakkeenya lafaafi fakkeenya Waaqarra 1Qor 15:49

**Kitaaba QulqulluuAOHH 1:24-25**
**[24]Kanaafis Waaqayyo kajeellaa garaa isaaniitiin xuraa'ummaatti, walii isaanii gidduuttis dhagna isaanii salphisuutti dabarsee isaan kenne. [25]Isaan dhugaa waa'ee Waaqayyoo sobatti diddiiraniiru; Waaqayyoon isa hundumaa uume dhiisanii, uumamaaf sagadanii, hojjetaniif. Waaqayyo garuuu bara baraan galateeffamaa dha! Ameen.**

**1:24, 25, 28 "Waaqayyo … dabarsee isaan kenne"** kun murtii isa dhumaa danda'amudha. Inni "Mee kufaatiin namootaa, karaa isaanii haa ta'u" jechi jedhu sagalee Waaqayyooti (Far 81:12; Hos 4:17; HoE 7:42) lak 23-32 jibbinsa Waaqayyoo (dheekkamsa yeroodhaa) warra Waaqmaleeyyi fi amanooma isaa (fi keenyaa) ibsa! Waaqmaleeyummaan amala sagaagaltummaafi galamootummaan beekkama ture.
1:24 "Garaa" mataduree addaa fufee jiru ilaali

**MATADUREE ADDAA : GARAA**
Jechi Giriikii kardia jedhu jecha Ibrootaa leb jedhu agarsiisuu Kakuu Haaraa keessattiifi septuagin keessatti tajaajila Bifa hedduun tajaajila 9Ba'uur, Arnideef, Gingiriich fi Dankar, A Greek English Lexicon ful 403-404)

1. Wiirtuu qaama jireenya, dubbii dalgaa namichaa (HoE 14:17; 2Qor 3:2-3; Yaq 5:5)
2. Wiirtuu afuura jireenyaa
   a. Waaqayyo garaa beeka (Luq 16:15; Rom 8:24; 1Qor 14:25 1Tas 2:4; Mul 2:23)
   b. afuura jireenya sanyii namaa fayyadu (Mat 15:18-19 18:35; Rom 6:17; 1Xim 1:5; 2Xim 2:22; 1Phex 1:22)
3. Wiirtuu ilaalcha jireenyaa (gareeyi, Mat 13:15; 24:48; HoE 7:23; 16:14; 28:27; Rom 1:21; 10:6; 16:18; 2Qor 4:6 Ef 1:18; 4:18; Yaq 1:26; 2Phex 1:19, Mul 18:7; garaan fakkaatti sammuu 2Qor 3:14-15 fi Filp 4:7)
4. Wiirtuu waa filachuu (sun, fedha, HoE 5:4, 11:23, 1Qor 4:5, 7:37;
5. wiirtuu olmiirama (Mat 5:28; HoE 2:26, 37; 7:54; 21:13; Rom 1:24; 2Qor 2:4; 7:3; Ef 6:22; Filp 1:7
6. iddoo addaa hojii afuuraa (Rom 5:5; 2Qor 1:22; Gal 4:6 (sun Kiristoos laphee keenya keessatti, Ef 3:17)
7. Garaan dubbi dalgaa keessa namummaa agarsiisudha (Mat 22:37, Deb tuqachuun. 6:5) ilaalchi, kaka'umsiifi gochi gosa namicha muldhatu garaa guutuu hirpha. (Kakuu Moofaa tajaajila rifachiisaa jechisaa qaba.
   a. Uma 6:6; 8:21 "Waaqayyo garaa isaatti aare" (Hos 11:8-9 qalbeffadhu)
   b. Deb 4:29; 6:5, garaa keessaniif lubbuu keessanii"
   c. Deb 10:6 "dhaqana hin qabamne" fi Rom 2:29
   d. Izq 18:31-32 "garaa haarawaa"
   e. Izq 36:26 "garaa haarawaa" fi "garaa jabeessa"

**1:25 "Isaan dhugaa Waaqayyoo sobatti diddiiraniiru"** kunis bifa hedduun hubatamuu danda'a. (1) of namaa (2 Tas 2:4, 11);, (2) Waaqeeffannaa sanyii namaa sanyii waan ofii tolcheef irreessa (Isa 44:20; Erm 13:25; 16:19) bakka YHWH isa waan hundaa uumee (lak 18-23) ykn (3) jibbinsa sanyii namaa dhugaa wangeelaaf godhate (Jn 14:17; 1Yoh 2:21, 27) Barruu #2 ni tolaaf.

▣ **"sagadaniif, hojjetaniif"** sanyii namaa yeroo hunda Waaqolii ni qabaatu. Namoonni hundi yeroo mara isaan duuba akka waa tokko, dhugaan tokko, ykn waa jiru isaanitti dhagahama.

▣ **"bara baraan galateeffamaadha. Amen"** Phaawuloos eebba yihudootaati dhalate, kanaaf amala isaati (Rom 9:5; 2 Qor 11:31) Phaawuloos akkuma barreesse san kadhata (9:5; 11:36; 15:33; 16:27)

▣ **"bara baraan"** mataduree addaa qajeellaa jiru ilaali

**MATADUREE ADDAA: BARA BARAAN (Jecha dubbi Giriikota)**
Jechi dubbii Giriikotaa tokko "un to the ages" jedhudha. (Luq 1:33, Rom 1:25, 11:36; 16:27; Gal 1:5, 1Xim 1:17) isa jecha Ibrootaa olam ibsu. Robarti B. Giridilstosn, Synonyms of the olf testament" ful 319-321 jiru ilaali. Jechamni walfakkaataa Biroooon "un to the age" (Mat 21:19, (Marq 11:14), Luq 1:55; Yoh 6:58; 8:35; 12:34; 13:8; 14:16; 2Qor 9:9) fi "of the age of the ages (Ef 3:21) dha. Kunimoo jechama kana gidduu garaagaruummaan hin jiru "bara baraa" Jechi "bara jedhu dacha fakkaata caasaa giraamara rabbinical jedhamu keessatti ykn qabiyyee baroota jedhu agarsiisa ta'a; miira yihudootaan "bara garlaafinaa" "bara hammeenyaa" "bara dhufu" ykn "bara qajeelummaa"

▣ **"Ameen"** mataduree addaa aanee jiru ilaali.

**MATADUREE ADDAA : AMEEN**
**I. KAKUU MOOFAA**
A. Jechii "Ameen" jedhu jecha Ibrootaati, dhugaaf (emeth) ykn dhugoomaaf (emun, emunah) fi amantii ykn

amanamummaafii.

B. Maddi hiika jecha kanaa dhaabbii toluu namootaa irraati. Faallaan isaa kan dhaabbii hin dandeenye (Deb 28:64-67; 38:16; Far 40:2; 73:18; Erm 23:12) ykn kan gufachiisu ittifayyadama jecha kanarraa dubbiin dalgaa amanamummaa, amanoomu, garraamiifi hirkattummaa (Uma 15:16, Hab 2:4)

C. Tajaajila addaa
   1. Utubaa, 2 Mot 18:16 (1Xim 3:15)
   2. Mirkaneesuu, Ba'u 17:12
   3. cimina Ba'u 17:12
   4. tasgabba'uu Isa 33:6; 34:5-7
   5. dhugaa (Mot 10:6; 17:24; 22:16 Fak 12:22
   6. dhaba jabaa 2Qor 20:20; Isa 7:9
   7. qabatamaa (Torah) Far 119:43, 142, 151, 168

D. Kakuu Moofaa keessatti jechonni lama amanti sochootuf fayyadu
   1. battach, amantii
   2. Yra, soda, kabaja, dhugeefata (Uma 22:12)

E. Miira amanamummaa ykn amanooma irra ittifayyadamni barreeffama dhugaa ykn dhugeeffatu guddatee bahera (Deb 27:15-26; Neh 8:6; Far 41:13; 72:19; 89:52, 106:48

F. Furtuun tiyoolojii jecha kanaa sanyii namaa miti, garuu YHWH (Ba'u 34:6, Deb 32:4, Far 108:4; 115:1; 117:2, 138:2) dha. Abdiin kufaatii namoomaa araara, amanama, kakuu, garramumaa YHWH fi abdii Isaa qofaadha.

G. Warri YHWH beekan akkuma isaa (Hab 2:4) ta'uu qaba. Kitaabni quqlulluu seenaafi galmee deebi'ame dhaabatu fakkaatti Waaqayyo (Uma 1:26-27) ti. Fayyinni dandeettii sanyii namaa deebisee dhaabun walooma Waaqayyo uumaaf kan dhalanetu kanaafi.

## II. KAKUU HARAWAA

A. Faayidaan jecha "Ameen" xumura barreeffamaa dhufuun amanamaummaa dubbichaa mirkansuun Kakuu Haaraa keessatti baramee jira. (1Qor 14:16; 2Qor 1:20; Mul 1:7; 5:14; 7:12)

B. Faayidaan jechicha akka xumura kadhataati Kakuu Haaraa keessatti barameera (Rom 1:25; 9:5; 11:36; 16:27; Gal 1:5; 6:18; Ef 3:21; Filp 4:20; 2Tas 3:18; 1Xim, 1:17; 6:16; 2Xim 4:18)

C. Yesuus qofatu ittifayydame (Yoh irra deebi'e) dubbii barbaachisoo ta'an beeksisuuf (Luq 4:24; 12:37; 18:17, 29; 21:32; 23:43)

D. Yesuusiif akka maqaa ta'eera Mul 3:14 (feetu YHWHfis maqaa ta'eera Isa 65:15)

E. Qabiyyeen amanamuu ykn amanti, amanamni, ykn amanta amantaa, amantii, amantii ta'e.

**Kitaaba QulqulluuAOHH 1:26-27**

**[26]Sababii kanaaf Waaqayyo kajeellaa nama salphisutti dabarsee isaan kenne; dubartoonni isaaniis karaa ittiin fedha fooniitiif dhiiraa wajjin wal bira ga'an isa uumamaan kennameef dhiisanii, gara isa uumamaan isaaniif hin kennaminitti diddiiratan. [27]Warri dhiiraas akkasuma karaa ittiin fedha fooniitiif dubartootaa wajjin wal bira ga'an, isa uumamaan kennameef dhiisanii, kajeellaa walii isaaniitiin gubataniiru; warri dhiiraas walii isaanii gadhoomsanii, beekaa karaa irraa jal'isuu isaaniitiif adaba dhagna isaanii akka ta'utti fudhata niiru.**

**1:26,27** Fedha Waaqayyoo Umaa (ija godhadha) keessa kan nama fageessu keessaa tokko gadhoomadha. Innis cubbuu fi rakkina aadaa muummeedha. (1) bara Kakuu Moofaa (Lew 18:22; 20:13; Ba'u 23:18); (2) bara Giriikoo-Roomaa (1Qor 6:9; 1Xim 1:10) fi (3) bara keenyas.

Gadhoomni feetu akka fakkeenya jireenya kufaatiitti ka'eera. Sababnisaas guutummaa yaada Uma 1-3 dha. Sanyiin namaa fakkeenya Waaqayyoon uumame (Uma 1:26-27; 5:1 3; 9:6). Sanyiin namaa dhiiraafidhalaa ta'ee uumame. (Uma 1:27) Abboomiin Waaqayyoos ija godhadha, baayadha (Uma 1:28; 9:1,7) ture. Kufaatiin sanyii namaa (Uma 3) karooraafi fedha Waaqayyoo addaan kute. Gadhoomni seera darbuu beekkamaadha!

Haata'uuti kana qofatu akka cubbuti eerame miti (lak 29-31) cubbuun hundi addaan bahuu sanyii namoota Waaqa irraafi adabbii isaani agarsiisa. Cubbuun hundi cubbuun mala jireenyaa, Waaqatti jallina.

**MATADUREE ADDAA : GADHOOMA**

Bara hammayaa kana keessa gadhooma akka mala jireenyaa tokkotti filachuun sirriidha jedhamaa dhufeera. Kitaabni qulqulluu akka mancaasa mala jireenyaa godhee abaara, fedha Waaqayyoo uumaa isaaf qabun aladha.

1. Abboomii Uma 1 ija godhadha baayadha jedhu cabsa.
2. amala Waaqeffannaafi aadaa Waaqmaleeyiidha. (Lew 18:22; 20:13; Rom 1:26-27; fi Yihu 7)
3. Waaqayyorra of jaalatummaan adda bahuu agarsiisa. (1Qor 6:9-10)

Haa ta'uuti, odoon yaada kana hin xumurreen jaalalaafi dhiifama Waaqayyo ilmaan namootaaf qabu mirkaneessa. Kiristaanonni gocha balfamaafi jibbamaa kanatti deemanii cubbamuuf mirga hin qabani, utuma nuyi cufti cubbamoo taanee jirrulle. kadhanni, dhimmamni, dhugbahinsi, fi garalaafina naannoo kanarratti hojjechu qaba, abaaruurra. yoo nuyi dhiifneyyu sagaleefi afurri Waaqayyooyu ni abaara. cubbuun sagaagalummaa hundi, kana qofaa mitii, Waaqayyoofi darbuu waan ta'eef murtiitti nama geessa. Qunnamtiin saalaa kenna Waaqayyooti. Jabina sanyii namaaf, gammachuufi tasgabbii hawaasaaf. Garuuu humna qabeessi kun, kenni Waaqayyo gara ganiinsaa, of jaalattummaa, araada bahuu "gatii kamittu anaaf ni caala" garagaalfame. Rom 8:1-8 Gal 6:7-8)

**Kitaaba QulqulluuAOHH 1:28-32**

**28Isaan Waaqayyoon beekuu, dubbii qajeelaatti waan hin lakkaa'iniif, Waaqayyo immoo yaada jal'aadhaa fi, waan namni hin hojjenne hojjechuutti dabarsee isaan kenne. 29Isaan jal'ina, hammina, sassata, gadhummaa hundumaan guutamanii turan. Kanaanis guutamanii ni hinaafu, ni ajjeesu, nama ni lolu, in gowwoomsu, warra kaaniif isa gadhee ni hawwu, dhoksaa namaa ni mul'isu; 30 ni hamatu, Waaqayyoon ni jibbu. humnaan nama irratti ni ka'u, ni afuufamu, of ni jaju, hamaa lafaa fuudhanii ni bixxilu, warra isaaniif hin abboomaman 31 Qalbii hin qaban, waan dubbatan hin eegan, jaalala oJ keessaa hin qaban, oo'as hin qaban. 32 Akka abboommi Waaqayyootti warra kan akkasii godhaniif duunl akka isaanii! ta'u, ni beeku. Haa ta'u iyyuu malee, ofii isaaniitii kan akkasi ni godhu; kana gochuu isaanii duwwaas utuu hin ta' in, arnkana godhaniin "Ba'eessa gootan" ni jedhu.**

**1:28-31** Himti kun Giriiki. Ganiinsa, kufaatii, of danda'uu sanyi namaa agarsiisa (Rom 13:13; 1Qor 5:11, 6:9, Gal 5:19-21, Ef 5:5; 1Xim 1:10; Mul 21:8)

Cubbuun namootaa Waaqayyo malee jiraachuu filatan. Gaanamni dhaabata ta'e. Of dandeenyi gaddisiisaadha. Sanyi namaa Waaqayyo barbaada, dhabameera, hangataadha, fi isarraa fagaannaan hirdhuudha. Gahaanama bara baraa keessaa gadhichi dhabamu qunnamtii Waaqayyooti.

**MATADUREE : AMAL BADAA FI AMAL GAARII**

Tarreenyi lameen amal badaafi amal gaarii. Kakuu Haaraa keessatti baramaniiru. Seeraafi aadaa Yihudoota (Helenistika) agarsiisa Tarreessi Kakuu Haaraa keessatti muldhatu

| | Amal bada | Amal gaarii |
|---|---|---|
| 1.Phaawuloos | Rom 1:28-32 | ---- |
| | Rom 13:13 | Rom 2:9-21 |
| | 1Qor 5:9-11 | --- |
| | 6:10 | 1Qor 6:6-9 |
| | 2Qor 12:20 | 2Qor 6:4-10 |
| | Gal 5:19-21 | Gal 5:22-23 |
| | Efs 4:25-32 | --- |
| | 5:3-5 | Filp 4:8-9 |
| | Qol 3:5,8 | Qol 3:12-14 |
| | 1Xim 1:9-10 | --- |
| | 6:4-5 | --- |
| | 2Xim 2:22a, 23 | 2Xim 2:22b, 24 |

| | | |
|---|---|---|
| | Tit 4:7, 3:3 | Tit 1:8-9; 3:1-2 |
| 2. Yaaqob | Yaaqob 3:15-16 | Yaaqob 3:17-18 |
| 3. Phexroos | 1Phex 4:3 | 1Phex 4:7-11 |
| | 2Phex 1:9 | 2Phex 4:5-8 |
| 4. Yohaannis | Mul 21:8 | --- |
| | 22:15 | --- |

**1:29 "yaada jallaa dhaaf"** kuftuun sanyi namaadhaa ofi waaqeffachuu "wanti ta'eefi waniti hundi anaaf!" akka mirgaatti ilaala. Bakka bu'aan sagalee taasifamee akka Waaqayyooti 1:24, 26, 38 keessatti eerameera, garuuu barru kana keessatti walitti dhufeenya Waaqayyo umamniisaa filannoofi of danda'uu mataa saaniin akka gidiraa argan hayyame.

▣ **"kanaanis guutamanii"** kun yeroo qaatee dureeti. Namoonni waan irra dhaabatanii guutamanii muldhatu. barsiisonni lapheen namoota hundaa saree dukkanaa'aa (amajaajii yetzer) fi saree adii (gaarii Yetzer) dha. Inni soorame irra guddaa ta'a.

**1:29-31** Isaan kun bu'aafi mallattoo jireenya Waaqayyoon maleedha. Namoota dhuunfaafi hawaasa isaan Waaqayyo kitaaba qulqulluu tuffatan agarsiisu. Kun toora cubbuu muraasa Phaawuloos kennedha. (1Qor 5:11; 6:9; 2Qor 12:20; Gal 5:19-21; Ef 4:31; 5:3-4; Qol 3:5-9)

**1:30 "humnaan nama irratti ni ka'u"** mataduree addaa ilaali

**MATADUREE ADDAA : ittifayyadama "HUPER: Phaawuloos**

Phaawuloos fedha addaa jecha haarawaa uumuufi itti fayydamuu jecha Giriik durgala *huper* ni jaalata. Inni "irra" ykn "gararraa" jechudha. Hogguu akka abbummeettii itti gargaaramu wajjin tajaajilu "bakka" jechuudha. Dabaleellee "waa'ee" ykn "ilaalchisee" akka peri (2Qor 8:23; 2Tas 2:1. Hoggu akka antimaatti itti gargaaramu wajjiin moo "ol" "irra" ykn "garas" (A.T Rooberistoon, A Grammar of the Greek New Testament in the Light of Historical Research ful 625-633 ilaali) Phaawuloos wayita yaada cimmisuu barbaadu durgala kana tisheesa. Kanneen armaan gadii toora Phaawuloos addatti fayyadamaa turedha.

A. Hapax lagomenon (Kakuu Haaraa keessatti takka qofa fayyadame)
   1. *Huperakmos*, jireenya takkaa darbe, 1Qor 7:36
   2. *Huperavxano*, caalaatti baayyachuu, 2Tas 1:3
   3. *Huperbaino*, irra darbu, seera cabsu, 1Tas 4:6
   4. *Huperkeina*, san duuba 2Qor 10:16
   5. *Huperekteina*, caala dagaagu 2Qor 10:14
   6. *Huperentugchano*, araarsu, Rom 8:26
   7. *Hupernikao*, injifannoo hanga yaadameen ol Rom 8:37
   8. *Huperpleonazo*, caalatti yaadaan ol 1Xim 1:14
   9. *Huperupsoo,* garmalee jajuu, Filp 2:9
   10. *Huperphroneo*, yaada qaroo Rom 12:3
B. Jechoota barreeffama Phaawuloos keessatti qofa tajaajilan
   1. *Huperairomai*, nam tokko jajuu, 2Qor 12:7, 2Tas 2:4
   2. *Huperballontos*, safaraan ol caalatti, 2Qor 11:23, dabalgocha garuuu gocha 2Qor 3:10; 9:14; Ef 1:19; 2:7; 3:19)
   3. *Huperbole,* irra gadhiisu, uffata adda, Rom 7:13, 1Qor 12:31 2Qor 1:8, 4:7, 17; 22:7, Gal 1:13
   4. *Huperekperissou*, safara hunda gararraa Ef 3:20, 1Tas 3:10, 5:13
   5. *Huperlian*, gatii guddaadhaan 2Qor 11:5, 12:11
   6. *Huperoche*, beekkomsa, ulfina, 1Qor 2:1, 1Xim 2:2
   7. *Huperperisseuo,* irra baay'inaan Rom 5:20 (sagalee walakka, to)
C. Jechoota Phaawuloosiifi darbe darbee barreessitoota Kakuu Haaraa fayyadaman
   1. *Huperano*, gaara fagoo, Ef 1:21; 4:10; fi Ibr 9:5)

2. *Huperecho*, hulfina qabeessa, hunda irra kan caalu, Rom.13:1; Filip 2:3; 3:8; 4:7; 1Phex. 2:13
3. *Huperephanos,* tilmaamuu yookiin of tuuluu, Rom.1:30; Ximo.3:2; fi Luqa. 1:51;Yaaq. 4:6; 1Phex. 5:5

Phawloosi nama garaa lafina qabu ture; yeroo namoonnni yookiin waantoonnii tokko tokko gaarii ta'an jarri baay'ee gaarii turan. Yeroo gadhee ta'an baay'ee gadhees ni ta'u. Durgaleen kun akka inni irracaalina isatti dhaga'ame waa'ee cubbuu eenyummaa Kiristoosii fi Wangeelaa kana ibsuuf isaaf hayyamaniitu

**1:32 "warra kan akkasii godhaniif duuni akka isaanii ta'u ni beeku"** dubbiin kun seera Muusee calaqisa. Kunis Rom 6:16, 21, 23; 8:6, 13 keessatti hungulaalamee jira. Duuti faallaa fedha Waaqayyoofi jireenya Waaqayyooti. (Ezk 18:32, 1 Xim 2:4, 2Phex 3:9)

▣ warra kana godhaniin "Ba'eesa gootan" ni jedhuun gidiraan duula jalatti. Kuftuu sanyii namaa cubbuu ormaa akka dhiifama "abbaan fedhe ni hojjeta" jecha itti fayyadamti. Aadaan cubbuudhaan beekkamti.

**GAAFFIILEE MARIIDHAA**

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti, kana jechuun hiikkaa kitaaba qulqulluu keetiif situ itti gaafatama. Cufti keenya ifa qabnu keessa haa deddeebinu. Ati, kitaabni qulqulluufi hafuurri qulqulluu hiikka keessatti dursiitooa. Kana hiikkaa keessatti laaqu hin qabdu.

Gaaffileen marii kunneen dhimmoota ijoo ta'an, kitaaba kana keessa jiran irratti akka yaadduuf si gargaaruuf qophaa'e. Innis kanneen ilaalcha dadamaqsan malee ibsa gaafatan miti.

1. Phaawuloos maaliif waldaa Roomaatti barreessee?
2. Maaliif Roomaan dubbii tiyoolojii barbaachisaa kiristaanummaa ta'ee?
3. 1:18-3:20ti ofu makeen diigii barreessi
4. Isaan tasuma wangeela hindhageenya waan Kiristoos hin amanneef ni gatamuu?
5. Garaagaruummaa "Muldhata Uumamaa" fi "Muldhata addaa" giddu jiru ibsi.
6. Jireenya namaa Waaqayyo malee ibsi.
7. Lak 24-27 dhimma gadhoomaa agarsiisaa?

# ROOMAA 2

| HIRAMSAA BUUFATAA HIIKKAA HAMMAYYAA | | | | |
|---|---|---|---|---|
| YBS | KJHH | KQSHH | TIV | |
| Murtoo qajeelaa Waaqayyoo<br><br>2:1-16 | Waaqayyoo qajeeluman murteessa<br><br>2:1-16 | Yihudoon murtii jalati<br><br>2:1-11 | Waaqayyoo murteessu<br><br>2:1-16 | Yihudoonni badiirra qoraman<br><br>2:1-11 |
| Yihudootaafi seericha | Yakka yihudoota akka ormootaa | Bu'uura murtii<br><br>2:12-16 | Yihudootaafi seericha<br><br>2:17-3:8 | Seerichi isaan hin baasu |
| 2:17-3:8 | 2:17-24 | 2:17-24 | 2:17-24 | 2:17-24 |
| | Dhaqna qabaa gatii hin qabne<br><br>2:25-29 | 2:25-29 | 2:25-29 | Dhaqna qabaan isaan hin fayyisu<br><br>2:25-29 |

**MARROO DUBBISAA SADII (Ful. _ ilaalii)**

Fedha ka'umsaa barreessaa sadarkaa buufataatti hordofuun qulqulluu keetiif ittigaafatamaadha. Tokkoon tokko keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni qulqullu keefi afuurri qulqulluu hiikkaa keessatti dursitoota. Ibsaa wajjiin walitti laaquu hin qabu.

Boqonnicha taa'umsa tokkoon dubbisi. Dhimmasaa addaan baafadhu. Hiramsa dubbii kee hiiramsa hiikkaa shaman olitti ibsamanii jiranii birqabii ilaali. Buufanni afuurahuun miti, garuu fedha barreessa ka'umsaa hordofuuf furtuudha, sun moo ija hiikkooti. Bufanni dhimma tokkoofi tokko qofa qaba.

1. Buufata jalqabaa
2. Buufata lammeesso
3. Buufata sadeesso
4. Kff

**Ilaa qabiyyee Roomaa irratti 2:1-3:20**

A. Boqonnaa 2 fi 3 yaada barruu 1:18 keessatti ka'e xumura kutaan kun kaniin ilaalu
   1. Dhabamuu sanyi namaa hundaa
   2. Murtee Waaqayyoo cubbuu irratti kenne
   3. Sanyiin namaa qajeelummaa Waaqayyo karaa Kiristoosiin amanuufi dhiifama cubbuun barbaaduu isaanii agarsiisa.
B. Boqonnaa 2 keessatti murtoo Waaqayyo ilaalchisee akeeka toorbatu jira.
   1. Lakkoofsa 2, akkaataa dhugaati
   2. Lakkoofsa 5, yakka kuufamaa
   3. Lakkoofsa 6 & 7, akkaataa hojiitti
   4. Lakkoofsa 11, namaa kabaja dhabuu
   5. Lakkoofsa 13 akka jireenya
   6. Lakkoofsa 16 icciitii garaa namaa
   7. Lakkoofsa 17-29 gareen biyyaalessa addaa hin jiru
C. Waa'ee boqonnaa 2:1-17 eenyuun akka jedhu irratti ibsitoota biratti heddu walmormisiiseera. 2:12-29 inni tajaajilu gara lameen hamiltoota waaqmaleeyyiifi seneeka (duudhaa hawaasaa) fi yihudootaa (seera Muuseen bulan) akka godhus ifaadha.

D. 1:18-21 keessatti Phaawuloos namoonni Waaqayyoon karaa uumamaa beeku akka danda'n mirkaneesseera. 2:14-16 keessatti Phaawuloos namoonni akka haamilee dammaqinsa keessa Waaqayyoon isaanii kennamee mirkaneessa. Ragooleen kunneen lameen uumamaafi dammaqinsi, bu'uura ergaa wangeelaanu walingarrees dabalate. Namoonni sababa hanga ifaa gaarii isaanii kennamee waan hin jiraanneef ittigaafatamtoota.

**QOANNOO JECHOOTAAFI JECHAMAA**

**2:1-11**
**1 Kanaafis ati yaa isa nama biraatti faradduu, waan itti qabattu hin qabdu! Ati inni namatti faraddu, isuma namichi sun hojjete waan hojjettuuf, firdii isatti faraddeen ofitti ni faradda.**
**2 Nuyi garuuu firdiin Waaqayyoo inni warrra waan akkasii hojjetan irratti dhufu qajeelaa akka ta'e ni beekna. 3 Ati yaa namana! Warra waan akkasii hojjetanitt faradda, ofii keetii immoo isuma sana yommuu gootu, firdi Waaqayyoo jalaa baqattee kan baatu sitti fakkaataa? 4 Yookii baay'ina gaarummaa isaa, obsa isaa, siif danda'uu isa salphaatti ilaaltaa ree? Gaarummaan Waaqayyoo gara geddarannaa yaada garaatti akka si geessu hin hubattuu ree 5 Mata-jabina keetii fi yaada garaa keetii geddarachuu didu keetiin garuuu, guyyaa dheekkamsaatiif guyyaa firdii Waaqayyoo inni qajeelaan itti mul'atuuf dheekkamsa of irrat walitti ni qabda; 6 Waaqayyo nama hundumaafuu adda addaa akkuma hojii isaatti gatii ni kennaaf. 7Inni warra obsaan waan gaarii hojjechaa, guddina, ulfina hin darbine, jireenya hin badnes Waaqayyo biraa argachuu barbaadaniif jireenya bara baraa ni kennaaf. 8 Namoota warra ofittoo warra dhugaadhaaf abboomamuu didanii, seera Waaqayyoo malee jiraachuudhaaf abboomamanitti garuuu ni dheekkama, saan in ifatas. 9 Dhiphinnii fi gidiraan lubbuu nama hamaa godhu hundumaatti ni dhufa; kunis duraan dursee nama Yihudii irratti akkasumas nama Yihudii hin ta'in irratti ni dhufa. 10 Guddinni, ulfinni, nagaanis nama waan gaarii hojjetu hundumaaf ni kennama; kunis duraan dursee nama Yihudiitiif akkasumas nama Yihudii hin ta'iniif ni kennama. 11 Waaqayyo nama wal hin caalchisu.**

**2:1**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"Ati yaa isa nama biraatti faradduu, waan itti qabattu hin qabdu."** |
| **KJHH** | **"Dhiifama hin qabdu, oyaa nama, isa namarratti murtii laattu."** |
| **KQSHH** | **"Dhiifama hinqabdu, eenyuuyu taa'u, yoo namatti murteessitu."** |
| **TIV** | **"Guutumaatti dhiifama hinqabdu, eenyuyu ta'I, gatii warra kaaniitti murtii laatteef."** |
| **KQJ** | **"Kanaafuu eenyu ta'uu keetiif homaa miti, yoo murtoo laatte dhiifama hin qabdu."** |

Kun barrudha "faccisa seeraa hin jiru" (1:20) Dura barbaachisummaa isaa agarsiisuuf afaan Giriikiin taa'ee. Lakkoofsi 1-16 lameen abbootii seeraa yihudoota qajeeloo of godhaniifi hamiltoota Giriikotaa walitti qajeelchu barbaada. Warra Biroootti murtoo kennuu isaaniitiin of abaarani.

**2:2 "Nuyi garuuu … ni beekna."** Bakka maqaa kun feetu yihudoota ykn kiristaanota ta'uu danda'a. lak. 2.4 keessatti Phaawuloos mala gaaffiifi deebii isaati, walga'insa jedhamu, garagaale. Akka haasa'aa dhugaa namaan haasa'amuti. Namoota akka Habakaakuk Malaakii, fi barsiisootaafi falaasamtoota Giriikootaa (akka Sooqiraaxiifi Istooksii) fa'iin haasa'ama. Ture.

Jechamni "Nuyi garuuu… ni beekna" jedhu Roomaa keessatti yeroo hedduu argameera. (2:2, 3:19; 7:14 8:22,28) Phaawuloos boqonnaa 1 isaan kunis beekumsa hanga ta'e qabu jedhe tilmaameera.

▣ **"Firdii Waaqayyoo"** kitaabni qulqulluu dhugaa isaarratti qulqulludha. Kana jireenyaaf Waaqayyoof namni hundii gatii ni baasa. (lak. 5-9, Mat 25:31-46; Mul 20:11-15) kirtistaanonni fuldura Kiristoos ni dhaabbatu. (14:10-12; 2Qor 5:10)

**2:3** Bifti seerluga Phaawuloos gaaffinsaa deebii "miti" qaba.

▣ **"Sitti fakkaataa"** faargochi Giriik un logizomaidha. Phaawuloos itti deddebi'ee (Rom 2:3, 26; 3:28; 4:3,4,5,6,8,9,10,11,22,23,24; 6:11: 8:11; 8:18, 36; 9:8; 14:14; Gal 3:6 fi si'a kudhan Qoronxoos 1 fi 2 si'a lama moo Filiphoosiyaas) keessatti fayyadameera. Yaadanno 4:3 fi 8:18 ilaali.

▣ **"Ati yaa namaa"** kun jecha lak. 1 wajjiin walsima. Inni 9:20 keessa jiru yihudoota ilaallata.

**2:4**. Kunis Giriikotatti gaaffiidha

▣ **"Baayyina gaarummaa isaa, obsa isaa, siif danda'uu isaa"** Namoonni waa'ee ulfina, aaraafi obsa Waaqayyo hubannoo dogoggoraa qabu. Kana carraa dhiqamuu irraa gara lubbuuti deebifatan. (2Phex 3:9). Phaawuloos oolmaa Waaqayyoo akka "baayyina" ti fudhate (9:23; 11:33; Qol 1:27; Ef 1:7,18; 2:4,7; 3:8,16 Filp 4:19)

▣ **"Geeddaranna yaada garaatti akka si geessu"** yaada garaa jijjiirrachuun walitti dhufeenya kakuu amantii Waaqayyo wajjiin jiruuf murteessadha (Mat 3:2; 4:17; Marq 1:15; 6:12; jijjiirra gochaati, afaan Giriikiin moo jijjiirranna sammuu jireenya hubannoofi qajeelcha Waaqayyootti deebi'uudha. Innis gara ufittoo fi of dursummaa irraa akka deebi'an yaama. Bu'uuratti amala haarawaa, addunyaa haarawaa, Gooftaa haarawaadha. Yaada garaa jijjiirrachuun fedha Waaqayyo ilmaan Addaam ammaan dura kufaniif qabudha, fakkeenya isaan uume. (Hizq 18:21,23,32 fi 2Phex 3:9)

Dubbisni Kakuu Haaraa caalatti jecha Giriiki yaada garaa jijjiirrachu calaqisu 2Qor 7:8-12 jirudha. (1) *lupeo*, "gadda" lak 8 (si'a lama), 9 (si'a sadii), 10 (si'a lama, 11 (2) *metamelomai* "gaabii" ykn "ofirra ilaaluu" lakka 8 (si'a lama), 9 fi (3) *metanoia*, "yaada garaa jijjiiru" ykn "yaada booda" lak 9,10 keessattidha. Faallaan kana yaada jijjiirranna sobaati (*metamelomai*) (Yihudaa, Mat 27:3) fi Esawu, Ibr 12:16-17) fi yaada jijjiirana dhugaa moo (*metanoeo*)dha.

Yaada jijjiirrannaa dhugaa tiyoolojikaalaan (1) lallaba kakuu haarawaa Yesuusitti (Mat 4:17; Marq 1:15; Luq 13:3,5 (2) barsiisa ergamaa hojii ergamtoota (kerygama, HoE 3:16,19; 2Xim 2:25); fi (4) baduu (2Phex 3:9) yaada jijjiirrachuu carra miti.

**MATADUREE ADDAA : YAADA JIJJIIRRACHUU**

Yaada jijjiirrachuun (amantii wajjiin ulaagaa kakuu lameenii kakuu moofaa (Nacham, 1 Mot 8:47; Shuv, 1 Mot 8:48; Hiz 14:6; 18:30; Iyo'el 2:12-13; Zak 1:3-4 fi kakuu haarawaati.

1. Yohannis cuuphaa (Mat 3:2; Marq 1:4; Luq 3:3,8)
2. Yesuus (Mat 4:17; Marq 1:15, 2:17; Luq 5:32; 13:3,5; 15:7)
3. Phexroos (HoE 2:38, 3:19; 8:22, 11:18; 2Phex 3:9)
4. Phaawuloos (HoE 13:24; 17:30; 20:21, 26:20; Rom 2:4, 2Qor 2:9-10

Garuuu yaada jijjiirrachuun maalii? Gadda dha?

Kakuu Haaraa keessatti boqonnaan gaarii yaada kana addaan baasanii hubannoo gahaa qabaachuuf kan gargaaru 2Qor 7:8-11 gargar ta'an fayyadani dha.

1. "gadda" (lupe, lakk 8 (si'a lama), 9(si'a sadii), 10(si'a lama), 11 "Gadi cabuu" ykn "aarii" ta'eet hiikka tiyoolojii walabaa qaba.
2. "Yaada jijjiirrachuu" (metanoeo) lak 9,10) jechi kun jechoota "booda" fi "sammuu" jedhurra tishaayee kunis sammuu haarawaa yaada haarawaa, amala haarawaa gara jireenyaafi gara Waaqayyoo agarsiisa. Kun jijjiirama dhugaadha.
3. "Gaabbii" (Metamelomai, lak 8 (si'a lama); 10) kunis jechoota "booda" fi "eeggannoo" jedhurra tishaaye. Yihudaa keessatti fayyadameera. Inni gadda isaa isa dhalaterratti agarsiise malee isa hojjete irratti miti.

Yaada jijjiiranaafi amantiin ulaagaale hojii kakuuti. (Marq 1:15, HoE 2:38,41; 3:16,19; 20:21) Waaqayyo yaada jijjiirranna kennuu isaa barruun agarsiisan ni jira (HoE 5:31; 11:18; 2Xim 2:25) Garuuu barreeffamni danuun kana akka yaada deebii namoota gara afeerra fayyina tolaa isa kan Waaqayyo barbaachisaatti achi qabu.

Lameen jechoota Giriikiifi Ibrootaa hiikkaa guutuu yaada jijjiirraa qabaachu isaaniiti. Inni kan Ibrootaa "jijjiirraa gochaa" inni Giriikotaa moo "jijjiirra sammuu" gaafata. Namni fayyee sammuufi laphee haarawaa argata. Kan yaadu addatti, kan jiraatu addatti. Bakka gaaffii "Anaaf maaltu keessa jiraa" isa jedhu "Fedhiin Waaqayyoo maalii" isa jedhutti bakka bu'a. Yaada jijjiirrannaan olmiirama dimimisu ykn guutummatti cubbu hin qabne miti garuuu isa qululluu wajjiin walitti dhufeenya haarawaa isa amanaa gara qulqullummaatti ol guddisudha.

**2:5-9**. Lakkoofsi kun (1) kufaati sanyi namaa hin sochoone fi (2) aariifi murtii Waaqayyo muldhisa.

**2:5 "Mata jabina"** Israa'eloonni bifuma kanaan ba'u 32:9; 33:3,5; 34:9; Deb 9:6, 13,27 keessatti ibsamaniiran.

▣ **"Garaa"** mataduree addaa 1:24 ilaali.

▣ **"Guyyaa dheekkamsaatiif"** kun "Guyyaa Gooftichaa" jedhamee yaamama kakuu moofaa keessatti. (Iyoo'el, Amoos) kun yaada guyyaa murtii ykn amantootaa, guyyaa du'aa ka'umsaati, sanyiin namaa kan jireenya Waaqayyoof gatii ni kenna (Mat 25:31-46; Mul 20:11-15)

Qalbeeffadhu cubbamootatu (siifi sili mataa keetu) dheekkamsa tullate. Waaqayyo caldhisee, iddoo tokkotti, dheekamsi akka baayyatuuf tuule ragaa isaaf ta'ee akka ittin tarkaanfii fudhatu.

Dheekkamsi, akkuma jechoota namootaati Waaqayyo garsiisan, ayyaana agarsiisu! Waaqayyo jiraataa, quqlulluu, fi afuuraadha. Namoonni baayyoota, cubbamtootaafi cimdiidha. Waaqayyoo olmiiramaan hin aaru, akka jeequ miti. Kitaabni quqlulluu akka inni cubbamtoota jaallatuuf fi akka isaan yaada jijjiiratanillee akka eegu garuuu ganiisa irraalle akka qubatan ni dubbata. Waaqayyo dhuunfaadha, cubbuulee dhuunfaan fudhata, nuyis cubbuu keenyaan matumaan itti gaafatamna.

Waa'een dheekkamsa Waaqayyoo ilaalcha tokko. Kitaaba qulqulluu keessatti lameen yerooti (yeroof 1:24,26,28) fi dhumarratti (eschalotogical 2:5-8) dha. Guyyaan Gooftaa (guyyaan murtii) raajonni kakuu Moofaa Israa'el amma dafanii akka yaada jijjiiratan fulduratti eebba qabatan karaa itti gorsan keessaa took ture; murtii miti. (Deb 27-28) Raajonni Kakuu Moofaa badiinsa barasaanii ta'e filudhaanii agarsiisa bara dhumaa godhatani.

**2:6** Kun tuqata Far 62:12ti. Kun akeeka duuniyaa namoonni gochasaaniifi ittigaafatamtootaafi gatii baastoota Waaqayyo akka ta'an kan agarsiisudha. (Iyo 34:11; Fak 24:12; Lall 12: 14; Erm 17:10; 32:19; Mat 16:27; 25:31-46; Rom 2:6; 14:12; 1Qor 3:8, Gal 6:7-10; 2Xim 4:14, 1Phex 1:17; Mul 2:23; 20:12; 22:12), Inumaahu amantoonni kiriistoosiif gatii jireenyasaaniifi gatii tajaajilasaanii ni baasu (2Qor. 5:10). Amantoonni hojiidhaan hin fayyani garuuu hojiitti ni fayyu (Ef 2:8-10 (Kes 2:14-26) Yaaqobiifi 1 Yohannis).

**2:7 " Inni warra fi ' Jarreen lak. 7 fi lak. 8"** isaan warra gidduu dorgeen jira.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"Warra obsaan waan gaarii hojjechaa guddina, ulfina in darbine, jireenya hin badness"** |
| **KJHH** | **"Jireenya bara baraa isaan warra obsaan gaarii gochaa ulfina, kabajaafi jireenya hin darbine barbaadaniif."** |
| **KQSHH** | **"Isaan warra obsaan gaarii gochaa ulfina, kabajaafi jireenya hin badne eeganiif, jireenya bara bara ni kennaaf."** |
| **TIV** | **"Namoonni muraasa gaarii gochaa turu, ulfina, kabajaafi jireenya hin badne barbaadau, isaaniif Waaqayyo jireenya bara baraa ni kenna."** |
| **KQJ** | **"Isaan warra ulfina, kabajaafi jireenya hin badne gaarii gochaa eeggataniif jireenyi bara baraa ni jiraata.** |

Kun namoota akka Qorneeliyoos (HoE 10:34-35) ilaallata. Dubbiin kun akka hojii qajeelummaa fakkaata (qajeelumma dadhabii namootaan argamu), garuuu sun dhimma muummee kitaaba Roomaa ala deema. Lak 1-16 ykn lak 1-11 kan jiru buufata ta'uu yaadadha. Qabxiin tiyoolojii waliigala Waaqayyo namoota kabajuutti akka hin jirredha (lak 11) fi hundiinu cubbamaniiru (lak 12). Yoo namoonni hanga ifa isaanii kenname yoo dhaabbatan (Ormootaaf muldhata uumaa yihudootaaf muldhata hafuuraa 10:5) Waaqayyo wajjiin qajeeloota ta'u. Haa ta'uuti, gulaalliin 3:9-18,23 jiru hinqabanii ykn hin qabaatan jedha.

Amantoonni jireenya Waaqaati jijjiiratan, akka amantii jalqabaaf deebii kennuun dhugomsaniifi gatii kennanitti isaan lakka'ama. Jireenyi jijjiirame mallatto hafuura Waaqayyon cuuphamuudha. (lak. 10,13; Mat 7; Efs 2:8-10, Yaq 2:14-26 fi 1 Yohd) Mataduree addaa. Barbaachisummaa dhamaasu 8:25 ilaali.

▣ **"Jireenya bara baraa"** kun amala barreeffama Phaawuloos qusannaa gulaala wangeelaa keessatti itti fayyadamanidha. Phaawuloos jechicha Daani'eel 12:2 (Tit 1:2; 3:7) iddotti inni jireenya bara haarawaa, jireenya walooma Waaqayyo, jireenya du'aa ka'uu agarsiisudha. Dura Gal 6:8 keessatti fayyadame qabiyye doktiriinaa Roomaa keessatti (2:7; 5:21; 6:22,23) kun baratameera. Iddoo ergaa tiksummaa barsiisutti yeroo danuu muldhateera (1Xim1:16; Tit1:2;3:7)

**2:8**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"Namoota warra ofittoo"** |
| **KJHH, KQSHH** | **"Isaan warra of barbaadan"** |
| **TIV** | **"Namni kaan ofittoodha"** |

**NKQJ** **"Isaan warra hinaafaan alaa"**

Jechii ka'umsaa "dhaalaaf hojjechuu" dha (Tob 2:11)

Louw fi Nida, galmeen jechootaa Greekii gara Ingliffaa, jildii 2, fuula 104 ittifayyadama jecha kanaa lama tarreessa

1. "Fedha ofittoma" Rom 2:8 qabachuun "Namaa ol ta'anii argamu hawwu", kun yaadicha ni simata,
2. "Hinaaffaa" Filp 1:17ti fayyadamee "mormituummaan akka carraa hiikkaati ilaale (2Qor 12:20, Gal 5:20; Filp 2:3; Yaq 3:14,16)

▣ "**Dhugaadhaaf abboomamuu didan**," jechi "dhugaa" (aletheia) jedhu miira Ibrootummaan (emeth) dhugaatumaafi amanamummaa fayyada. Yaada kanaan xiyyeeffanaa hamilee malee qaroomaa hin qabu. Mataduree adda dhugaa barreeffama Phaawuloos 1:8 jedhu jala ilaali.

**2:9** "**Lubbuu nama hundumatti**" Phaawuloos jecha Giriiki pas jedhu "hunda" ykn "tokkoon tokko" seensa boqonnaa Roomaa keessatti oduu badaa (badiinsa sanyii namaafi walqixxummaa Waaqayyo) fi oduu gammachiisaa (isa Waaqayyo fayyina tolaafi dhiifama guutuu karaa Kiristoos warra amananii yaada jijjiirataniif ta'e) agarsiisuuf itti deddeebi'ee fayyadame.

Yaadni kun murtii duuniyaafi bu'aasaa agarsiisa. Dhugaan du'aa ka'uu lameen qajeelotaafi dadhaboota (Dan 12:2; Yoh 5:28-29; HoE 24:15) kajeela.

Yoo lak. 6-11 walqaxamura ta'e, lak. 8-9 lakkoofsa furtuu murtii ykn amajajoma agarsiisa.

2:9-10 "dursee nama yihudii irratti" kun nyaq gochuuf irra deebi'ame. Yihudoonni carraa duraa qabu sababnisaa muldhata Waaqayyo qabuuf (1:16; Mat 10:6; 15:24, Yoh 4:22 HoE 3:26; 13:46), garuuu murtiifis isaan warra duraati. (9-11) sababnisaas morkii Waaqayyos waan qabaniifi (9:4-5)

**2:11**

**KQSAH, KJHH** **"Waaqayyo nama wal hin caalchisu"**

**KQSHH** **"Waaqayyo akka walcaalmaan hin jirre agarsiise"**

**TIV** **"Waaqayyo hunda sadarkaa qixxeen dhaadheessa"**

**NKQJ** **"Waaqayyo biraa aantummaan hin jiru"**

Kun "fuula kaasnu" dha. Jecha dalgaa dhadhacha bara Kakuu Moofaa (Lew 19:15; Deb 10:17; 2 Qor 19:7; Hoe 10:34; Gal 2:6; Efs 6:9; Qol 3:25; 1Phex 1:17)ti. Yoo abbaan murtii dhadhacha irra jiruu nama beekuuf ilaalaa jira ta'e carraan gardhabuu ni jiraata. Kanaaf nama isa fuldura jiru irra fuula kaasuu hin danda'u.

**MATADUREE ADDAA: SANYUMMAA**

**I. Seensa**

A. Kun ibsa kufaatii sanyii namaa haawaasa keessattidha. Kun ofittummaa sanyii namaa, gateetti nama Birooon jiraatuuti. Sanyummaan, karaa baayye, waan baraati, wayita biyyaalummaan (gosonni) bardurama agarsiisu.

B. Biyyalummaan Baabel (Uma 11) ti eegale, ka'umsisaa garuuu sadeen ijoollee Nohoo irraati (Uma 10) Haa ta'uti namummaan akka sagalichaatti maddi isaa tokko ta'uun beekkamaadha. (Uma 1-3; HoE 17:24-26)

C. Sanyummaan waan jibbamoota keessaa tokko. Warreen hafan keessaa (1) uffulumaa barnoota (2) tokkarsa Hawaasa-dinagduma (3) ofii qajeltummaa seera amantiifi (4) siyaasa dogmaati hidhachuudha.

**II. Wantoota kitaaba Qulqulluu**

**A. Kakuu Haarawaa**

1. Uma 1:27 sanyin namaa, dhiiraafi dhalaan, fakkeenyaafi bifa Waaqayyoon uumaman, kanaafis adda isaan godhe. Kunis safuufi kabaja dhuunfaa qaban agarsiisa (Yoh 3:16)
2. Uma 1:11-25 jechama "… akka fakkatti isaaniitti …" si'a kudhan waraabe. Kun sanyummaan adda bahuu deggera. Haata'uuti, kun bineensaafi biqiltuu malee nama hin ilaallatu.
3. Uma 9:18;27 kun bittaa sanyummaa deggeraa tureera. Waaqayyo kana'aaniin hin abaarre yaadatamuu qaba. Nohi, akaakayyu, eegi inni machaaye argee damaqseen booda abaareen. Kitaabni Qulqulluu moo abaarsa Noh kan Waaqayyo dhagahuu hin ibsu. Odoo inni godheellee kun warra gurraachaa hin miidhu. Kanaan abbaa wara naannoo Filisxeemiifi Masaraa Misiroota yeroo sana qubatanii turee warra gurraacha hin ture san ilaallata jechudha.

4. Iyyaasuu 9:23 kunis sanyiin tokko isa kaan akka tajaajilu mirkaneesseera. Haa ta'uuti, yaadaan, warri gaboonotaa akkuma yihudoota sanyii takkaatarayi.
5. Ezraa 9:10 fi Nehimiyaa 13. Kunis miira sanyiin tajaajilaa tureera; garuuu yaadichi gaayila abaaraa ture, gatii sanyii odoo hin taanee ilmaan Noh (Uma 10) waan turaniifi amantiidhaafidha.

**B. Kakuu Haarawaa**

**1. Wangeelli**

a. Yesuus waljibbinsa yihudootaafi samaariyaatota giddu ture kaase akka inni hin barbaachifne barsiiseera.
   1. Fakkeenya Samaariyaa gaarii (Luq 10:25-37)
   2. Dubartitti eela bishaanii (Yoh 4)
   3. Qurcicha galataa (Luq 17:7-19)

b. Wangeelli nama hundumaafi
   1. Yohaannis 3:16
   2. Luqaas 24:46-47
   3. Ibroota 2:9
   4. Muldhata 14:6

c. Mootummaan Isaa nama hundumaaf
   1. Luqaas 13:29
   2. Muldhata 5

**2. Hojii Ergamootaa**

a. HoE 10 dubbisa erga jaalalli Waaqayyoo duuniyaafi wangeelli Isaas duuniyaaf ta'uu agarsiisudha.

b. Pheexroos gochasaaf hin dhaaname HoE 11, rakkinni kunis hanga gumiin yeruusaalem HoE 15 furmaata yihudiifi Ormoota gidduu tures ho'eera.

**3. Phaawuloos**

a. Kiristoositti addaan bahinsi hin jiru
   1. Gal 3:26-28
   2. Efs 2:11-22
   3. Qol 3:11

b. Waaqayyo kabachiisaa namoota miti
   1. Rom 2:11
   2. Efs 6:9

**4. Pheexroosiifi Yaaqob**

a. Waaqayyo kabachiisaa namootaa miti

b. Sababa Waaqayyo qoodinsa hin garsiifneef, sabnisaas gochuu hin qabu, Yaaqob 2:1

**5. Yohaannis**

a. Ittigaafatamaa amantootaa cimaan 1Yoh 4:20 keessatti argama.

**III. Goolaba**

A. Sanyummaan, jibbinsi kamuu, ijoolle Waaqayyoof hin malu.
Dubbii Henlee Baarnette, Meeksikoo, Giloreshiyaati foorami kirisyiyaan Laayif komishini bara 1964 haasa'a godheera. "Sanyummaan, ilaalchadha. Sababni isaas kitaabaan ala, kiristaanummaan ala, saayinsii ala ta'u hin dubbannu.

B. Rakkinni kun kiristiyaanonni carraa itti jaalala Kiristoos, dhiifamaafi hubanno addunyaa bade ittin agarsiisanidha. Iddo kanatti diddaan kiristaanaa bilchina dhabuudha, amajaajiif amantii, jibinaafi guddina amantootaa doomsuuf carraa gaariidha. Akkunuma warra badaniif gara Kiristoositti dhufaa jiranii moo gocha gargar fageessa.

C. Maal gochuun danda'aa? (Kutaan kun Christian life Commission tract irraa mata dure "Walitti dhufeenya sanyii" jechuu bahe irraa waraabame

"SADAKRKAA DHUUNFAATTI"

★ Rakkoolee sanyiin walhidhatan hiikuuf ittigaafatamaa kee fudhu
★ Kadhata keessa, qo'anno kitaaba qulqulluufi waloomaan sanyii biraa wajjiin, gochuun jireenya kee sanyummaa irra fageeffachu yaali.
★ Waa'ee sanyii irratti keessattu warra loogii sanyummaa isa jibbinsaa haasa'an biratti yaada kee ibis.

"JIREENYA MAATII KEESSATTI"

- ★ Dhiibbaan maatii guddina amalaa waa’ee sanyummaa irratti qabu barbaachiisaa waan ta’eef itti of kenni.
- ★ Amala kiristaanummaa gabbisuuf ijoolleeniifi warri alaa waa’ee sanyii waan haasa’amu kan dhagahan gaafadhu.
- ★ Sanyii Birooof fakkeenya kiristaanummaa ta’uu maatiin of eeggatoota ta’uu qaban.
- ★ Maatii kee sanyi Biroo wajjiin firoomsuuf carraa barbaadi “Waldaa kee keessatti”
- ★ Waa’ee sanyii irratti dhugaa kitaaba Qulqullu lallabuufi barsiisuun, sabichuu waan hawaasaaf fakkeenya ta’uu danda’u ni ijaaru.
- ★ Waaqeffannaan, waloomni, fi tajaajilli waldaadhaa hundaaf banaa ta’uu, akkuma waldaan Kakuu Haaraa garaagarte sanyii akka hin qabne, Efs 2:11-22; Gal 3:26-29) mirkaneeffadhu.

“JIREENYA GUYYAA GUYYAA KEESSATTI”

- ★ Tattaaffii loogi sanyii dhabamsiisuuf sadarkaa addunyaatti godhamu gargaari.
- ★ Walqixxummaa mirgaafi carraa uumuuf dhaabbilee haawaasaa hunda wajjiin hojjedhu, rakkinni dhabamuu qabu sanyummaa malee nama akka hin taane hin dagatiin kaayyoonsaa hubannoo gabbisuu malee jibba uumuu miti
- ★ Yoo gamnooma ta’e, koomitee addaa gurmeessuun lammiilee dhimmamoo ta’aniif akka mariyachuu danda’an karaa saaquudhaan ummata barsiisuun walitti dhufeenya sanyi irratti gocha foyya’insa akka godhan taasisuu
- ★ Seeraafi seera tumtoota dhimma sanyiirratti gaarii hojjetan deggari, warra faayidaa siyaasaaf jecha jibba qofaan komadhu balaaleffadhu.
- ★ Abbootii seeraa akka isaan loogii malee hojjetan dubbadhu
- ★ Jeeqxummaa balaaleeffadhu, olaantummaa seeraa kabajii, akka kiristaanummaati harka warra sanyiin deemanii harka aangoon hin galle jabaadhu qabsaa’i.
- ★ Sammuufi afuura kiristaanummaa walitti dhufeenya namootaa kamuu keessatti fakkeenya godhadhu.

**2:12-16**
**[12]Warri se era utuu hin qabaatin yakkan hundinuu, seerichi utuu hin ilaalamin ni dhumu; warri se era qabaatanii yakkan hundinuu, seerichaan isaanitti ni faradama. 13 Warri seera dhaga'an Waaqayyo duratti qajeelota hin ta' an, waan seerichi abboomu warri godhan garuuu qajeelota ni ta'u. 14 Yihudoota kan hin ta'in warri seericha hin qabne, uumama isaaniitiin waan seerichi isaan irraa barbaadu yeroo hojjetan, yoo seericha hin qaban ta'e iyyuu isaan ofuma isaanii keessaa seera qabu.**
**15 Isaan, hojiin seerichi abboomu garaa isaanii keessatti akka caafamee jiru ni argisiisu; dhageettiin garaa isaanii akkasumas yaadni garaa garaa takka takka isaan hadheessan, takka takka immoo isaaniif falman, waa' ee kanaaf dhugaa ba'uu isaanii ti.16. Akka wangeela ani barsiisutti, guyyaa Waaqayyo harka Yesus Kristosiin dhoksaa namootaa bakkee baasee faradutti, wanti kun ni beekama.**

**2:12 “warrii seera utuu hin qabaatiin yakkan hundinuu,”** Waaqayyo osoo dhuma Kakuu Moofaa ykn wangeelaatti carraa hin argatu hafaniille namoonni ittigaafatamoo akka ta’aniif qabata. Namni hundi uumama irraa beekkomsa maddee ni qaba (1:19-20; Far 19:1-6) akkasumas haamilee dhalootaa (2:14-15) Garuuu inni gaddisiisaan hundi fedhannaan ifaa qabu dhaamse. (1:21-23; 3:9, 19,23; 11:32; Gal 3:22)

▣**“Seerri”** Jecha seera jedhu wajjiin keeyyanni hin jiru. Caasaan seer luga qulqullina maqaa nyaq godha. Haata’uuti Phaawuloos Roomaa keessatti wanta adda addaa ibsuuf itti fayyadame. (1) Seera Roomaa (2) Seera Muusee ykn (3) Walumaagala yaada hawaasummaa namootaa ittin ibseera. Yaadni kun akka namoonni hundi beekkomsa Waaqayyo uumamummaan lapheesaanii keessatti of muldhisuu akka danda’u ni beeku. (V.15)

**2:13 “Warra seericha dhagahan miti, isaan Waaqayyo fuldura dhaabbatan”** Jechi “dhaggeeffattonni” jedhu itti fayyadama barsiisotaa keessatti miira addaa bartoota tooraa biratti qaba. Barreessitonni kakuu Haarawaa yaada Ibrootaa ta’e koine Girikootaan barreeffamu yaadadhu kafaan, xinxalli addunyaa kan eegaluu qabu Septvagent malee luga Giriikiin miti.

Jechi “sirrii” ykn “dhaadhessa” (kike bifasaa hundaan) Jedhu tiyoolojii Phaawuloos keessatti murteessaadha. (3:4, 20, 24, 26, 28, 30; 4:2, 5; 5:1, 9;6:7; 8:30,33). Jechoonni “sirri” ykn “dhaadheess” “dhadhahama” “qajeelaa” fi “qajeelummaa” hundi “dikaios” jecha jedhurraa maddan. Mataduree addaa qajeelummaa 1:17 ilaallii. Ibrootatti (*tsagag*) jalqabnisaa leemman yookiin shambaqqoo qajeelchaa dheeraa

ilaallata (faana 15-20) gahu achirra ka'ee safari qajeelaafi walqixaa kan Waaqayyo ta'uu akka dubbi dalgaati itti fayyadamu eegalame

Barruu Phaawuloos keessatti xiyyee lama qaba. Dursa, qajeelummaan Waaqayyo sanyi namoota cubbamo ta'aniif karaa amantii Kiristoosiin kennaa tolaa isaani kennamu isaati. Kunis gabbisa qajeelummaa ykn qoranna qajeelumma jedhame kaniinni agarsiisu dhaabbi seera Waaqayyo qajeelaa fulduratti, kun "murtii amantiin" kan jedhu ka'umsa Phaawuloos bareedadha. Lammata sani namaa cubbamoo ta'an gara fakkatti isaatti deebisuuf sochii Waaqayyo godhe agarsiisa. (Uma 1:26-27) ykn karaa biraan, fakkeenya Kiristoos fiduudhaafi. Lakk kun _ akka Mata 7:24; Luq 8:21 & 11:28; Yoh 13:17: Yaq 1:22-23, 25 _ amantoonni dhaggeffatoota osoo hin taanee hojjettoota akka ta'aniifi. Qajeelummaan gabbate dirqama jireenya qajeelaa fiduu qaba. Waaqayyo dhifama godhee cubbamtoota ni jijjiira. Ittifayyadamni Phaawuloos lameenseeraafi naamusaati kakuun haarawa namootaa dhaabbi seeraa argamsiise garuuu mala jireenyaa Waaqummaa isaan gaafate. Toladha garuuu gatii baasisa.

▣ **"wanni seerichi abboomu warri godhan garuuu qajeeloota ni ta'u"** Waaqayyoon beekuun mala jireenya abboomii qabu gaafata (Lew 18:5; Mat 7:24-27; Luk 8:21, 11:28; Yoh 13:17, Yaq 1:22-25; 2:14-28). Karaa baayyee yaadni kun jecha Ibrootaa Shema jedhu garagaalche dhiyeessa. Innis hojjechuuf dura dhagahu isa jedhudha. (Deb 5:1; 6:4; 9:1; 20:3; 27:9-10)

**2:14**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"Yihudoota kan hin ta'iin warri seericha hin qabne uumama isaaniitiin waan seerichi isaanirraa barbaadu yeroo hojjetan, yoo seericha hin qaban ta'eyyuu, isaan ofumasaanii keessaa seera qabu"** |
| **KJHH** | **"Warri Ormootaa, warri seericha hin qabne, waan seericha keessatti qabame uumamuun hojjetu, isaan kun, seericha hinqabne, ofiinuu seeradha.** |
| **KQSHH** | **"Yeroo Ormoonni, seericha hinqabne, waan seerichi irraa barbaadu uumamaan godhan, isaan kun seericha hinqabaatiin, ofiif seera ta'u.** |
| **TIV** | **"Ormoonni seera hinqaban, hogguu fedhiinsaanii taate waan seerri jettu godhu, ofiif seera ta'u, seerayyu hin qabaatin malee"** |
| **JV** | **"Fakkeenyaaf, warri Waaqmaleeyi ta'ani seerri jiraachuuyu hin dhageenye garuuu waan seerichi jedhu sababaan godhan, seericha feetu hin qabaatani, garuuu, isaanuu seeraa jechuun ni danda'ama.** |

Addaan cufti seera haamilee-keessaa, safuu hawaasa ni qaba. Ifa qabaniif ittigaafatamtoota (1Qr 9:21) lak kun isaan Waaqayyotti qajeeloo jechuuf miti, eega ifa aadaa qabaatanii garuuu beekkomsa Waaqayyo isa uumamaaf itti gaafatamtoota jechuufidha.

**2:15 "dhageetiin garaasaanii akkasumas yaadni garagaaraa takka takkaa isaan hadheessaan, takka takka moo isaani falmaan."** Sagaleen keessa-haamilee ni jira. Garuuu barruu qofti, afuuraan qajeelfame, guutummatti ni amanama. Kufaatiin sammu keenya miidhe. Haa ta'uuti, uumamni (1:18-20) fi seerri haamilee-keessa (2:14-15) cufti beekkomsa Waaqayyo keessa namaa kaa'edha. Jechi Ibrootaa kan gita Girikootaa ta'e "keessammuu" "syneidesis" hin jiru. Yaadni miira keessa haamilee Giriikotaa qajeelaafi dabaa ta'uun falaasamticha Istookn haasa'ameera. Phaawuloos falaasamtoota Giriik wajjiin dhiyeenya ni qaba. HoE 17:28 Qiliinxes tuqee; Menaander 1Qor 15:33 keessattiifi Eeppimendiis Tiitoo 1:12 keessatti kaaseera. Kanas inni dura Xarseesitti waan baratee tureefi. Bakki dhalotasaas magaalaa Giriik beekkamtuu man barumsaa falaasamtootaafi jabanaa qabdudha.

**2:16 "Guyyaa san"** yaadanno 2:5 ilaali

▣ **"Akka wangeela ani barsiisutti"** akka yaadaatti kun lallaba Phaawuloos muldhata Yesuus Kiristoos agarsiisa. Bakki maqaa "ani" jedhu hubannoo Phaawuloos wangeela isaaf amaname kennameef qabu agarsiisuudhaafi (16:25, 1Qor 15:1; Gal 1:11; Xim 1:11; 2Xim 2:8). Addatti kansaa qofa miti, garuuu akka ergamaa Ormootatti wanni akka dhugaa Yesuus Giriikotaafi Roomoota gidduu tamsaasu isa dirqu akka jiru ibsuu barbaadeeti.

▣ **"Waaqayyoo….. dhoksaa namootaa bake baasee farada"** Waaqayyo garaa nama hundumaa ni beeka (1Sam 2:7, 16:7; 1Mot 8:39; 1Qor 28:9; 2Qor 6:30; Far 7:9; 44:21; 139:1-6; Fak 15:11 21:2, Erm 11:20; 17:10;

20:12; Luq 15:16; HoE 1:24; 15:8; Rom 8:27 Mul 2:23). Abbaan karaa bikka bu'ummaa ilmasaa, lameen kaka'umsaafi gocha gara murtootti ni fida (Mat 25:31-46; Mul 20:11-15)

▣ **"Karaa Kiristoos Iyyasuus"** Yesuus akka abbaa murtiitti, murtii kennuu hin dhufne (Yoh 3:17-21). Waaqayyo abbaa, muldhisu dhufe, du'a bakka bu'ummaa du'e, amantoonnis fakkeenya duuka bu'ummaa kenneef. Namoonni wayita Iyyasuusiin fudhachuu didan ofirratti murteessaniiti.

Haata'uuti, Kakuu Haaraa garuuu Yesuusis gaafa murtii akka bakka bu'aa Abbaatti akka socho'u ni barsiisa (Yoh 5:22,27 HoE 10:42; 17:31; 2Xim 4:1) muddamni Yesuus akka abbaa murtii fi/ykn fayyisaati giddu jiru wangeela Yohaannis (3:17-21 fi 9:39) keessatti ilaalama.

**2:17-24**

**17 Ati garuuu "Ani Yihudii dha" ofiinjetta, seerri anaafjira jettee ni amanatta, "Waaqayyo dhuunfaa koo ti" jettee of ni jajja.18 Jaalala Waaqayyoo beekta; seerichaan barsiifamtee, isa ta'uu fi isa hin taane gargar baaftee ni himta.19 Jaamotaaf karaa argisiisaa, warra dukkana keessa jiraniif ibsaa akka taate of amanatta.20 Seericha keessattis beekumsaa fi dhugaa isa bifa macaafaatti qophaa'e waan argatteef, gowwoota ni gorsita, wallaalotas ni barsiifta.21 Yoo akkas ta' e immoo, ati warra kan biraa kan barsiiftu, ofii kee immoo hin barsiiftuu?"Hin hatin!" jettee utuma lallabduu, ofii keetii immoo ni hatta mitii?22 "Hin ejjin!" ni jetta, ati immoo ni ejjita mitii?Ati Waaqayyolii tolfaman ni ciiggaata, galma isaanii immoo ni saammatta mitii? 23 Seera Waaqayyoo qabaachuu keetiin of ni jajja, seericha cabsuu keetiin immoo maqaa Waaqayyoo ni salphifta mitii?24 Akkuma caafamee jiru, "Sababii keessaniif maqaan Waaqayyoo warra saba Waaqayyoo hin ta'in gidduutti ni arrabsama" ni jedha.**

**2:17 "yoo"** kun hima gita haalaa kan jalqabaa yoo ta'u kallatti jedhamee tilmaamama. Haalli kun hanga lak 20ti itti fufa. Garuuu xumura hinqabu, kanaaf, TIV hiikkaansaa akka Yesuus mirkanseetti tilmaamee hike. Yihudoonni hiddasaanii, aadaasaaniifi jila fayyinaaf godhan ni amanatu ((Mat 3:9; Yoh 8:33, 37, 39)

▣ **"Waaqayyoon … of ni jajja"** Yihudoonni baayye (1) hidda sanyiisaaniin (2) hojii seera Muuseen akka waan Waaqayyoon fudhatamanitti irratti of gatu. Haata'uti garuuu ofiin qajeelomnisaanii Waaqayyo irraa addaan isaan baase (Mat 5:20; Gal 3) Maati wanni gaddisiisa akkanaa!

Phaawuloos yaada of jajuu kana 1 Qorontoos keessatti argate. Phaawuloos hayyoota amala badoo Israa'eliifi Giriikiis wal argeera. Dhumarratti foon kamuu Waaqayyo fulduratti akka ulfina hin qabaanne kaa'e (Efs 2:8-9, ykn hadheessin kaa'uuf, Waaqayyo yoo si argatu, gaariin sinaasofisiisu.

**MATADUREE ADDAA OF JAJUU**

Jechoonni Giriikii kauchaomai, kauchema, fi kauchesis jedhan Phaawuloos si'a soddomi shanii oliifi si'a lama qofa Kakuu Haaraa keessatti (lameenu Yaaqobiin) faayidaa kenneera. Faayidaan inni guddaan 1 fi 2 Qoronxoos keessattidha.

Dhugaan lama of jajuu wajjiin hidhata qaba

- ★ Foon kamuu Waaqayyoo fulduratti ulfina/ofjaja hin godhu (1Qor 1:29, Efs 2:9)
- ★ Amantoonni Gooftaadhaan ulfina argatu (1Qor 1:31, 2Qor 10:17, innis Erm 9:23-24) ti hidhata.

Kanaafuu ulfinni (of jajni maluufi hin malle ni jira (boona)

1. Kan malu
    a. Abdii ulfinaan (Rom 4:2)
    b. Karaa Gooftaa Yesuusiin Waaqayyootti (Rom 5:11)
    c. Fannoo Gooftaa Yesuus Kiristoos (sun qabiyyeen Phaawuloos inni guddaan 1Qor 1:17-18; Gal 6:14)
    d. Phaawuloos kan of jaje
        (1) tajaajila isaa beenyaa hin qabne (Rom 4:2)
        (2) taayitaa isaa Kiristoos irraa (2Qor 10:8,12)
        (3) dafqa nama Birooon of hin jaju (2Qor 10:15)
        (4) dhala sanyiirraa (8is Qoronxositti ta'e 2Qor 11:17, 12:1, 5, 6
        (5) Waldaasaa
            (a) Qoronxoos (2Qor 7:4, 14; 8:24; 9:2; 11:10)
            (b) Tesaloonqee (2Tas 1:4)

(6) ofitti amana isaa Waaqayyootti fi fayyina (2Qor 1:12)
2. Kan hin malle
   a. walitti dhufeenya hidda sanyii yihudaa (Rom 2:17, 23; 3:27
   b. muraasni waldaa Qoronxoosiin of jaju
      (1) Namootaan (1Qor 3:21)
      (2) Ofummaan (1Qor 4:7)
      (3) bilisummaan (1Qor 5:6)
   c. barsiisonni sobaa waldaa Qoronxoos jirtuun of jajuu yaalu (2Qor 11:12)

**2:18 "mirkansa"** mataduree adda armaan gadii ilaali

**MATADUREE ADDAA : JECHA GIRIIK "QORUU" FI KK BIROOO**
Jechoonni Giriik lama yaada nama qoruu qaban ni jiran

1. *Dokimazo, dokimion, dokimasia*
   Jechichi jecha ogeessota sibiilaa ta'eef ittin waa'ee quqlullummaa sibilaa ittiin safaraniidha, abidda buusuun. Abiddichis sibilicha baqsuun dhugaa sibilichaa ni baasa. Kunis adeemsa Waaqayyo ittin sanyi namaa ykn fi qoru taasfiame fudhatame. Jechichi bifa/miira gaarummaa qoranii fudhachuun faayidarra oole.
   a. Qotiyyoo, Luq 14:19
   b. Ofii keenya 1Qor 11:28
   c. Amantii keenya, Yaaqood 1:3
   d. Waaqayyo, Ibr 3:9

   Bu'aan qormaata kanaa gaariidha jedhame eeggama. (Rom 1:28; 14:22; 16:10; 2Qor 10:18; 13:3; Filp 2:27; 1Pex 1:7) kanaafuu, yaadichi abbaan ta'ee qoramee akka inni
   a. barbaachisaa
   b. gaarii
   c. qulqulluu
   d. gatii qabeessa
   e. kabajamaa
2. *Peirazo, peirasmos*
   Jechichi miira qormaata sababa kufaatii dogoggora saaxilu ykn diddaaf dhiyaate fakkaata. Akkasumas qorumsa Yesuus keessa darbe wajjiin walqabata.
   a. Kiyyoo Yesuusiif yaalame (Mat 4:1; 16:1; 19:3; 22:18, 35; Marq 1:13; Luq 4:2; 10:25; Heb 2:18)
   b. Jechi kun (peirazo) akka maqaa seeyixaanaatti tajaajila Mat 4:3; 1Tas 3:5
   c. Inni (akka jecha tishooti, ekpeirazo) Yesuusiin Waaqayyoon hin qoriinaa waan jedhameef (Mat 4:7; Luq 4:12; akkasumas 1Qor 10:9 ilaali)
   d. Qorumsaafi dhadhacha amantootaan walqabatee waan ka'uuf (1Qor 7:5; 10:9, 13; Gal 6:1 1Tas 3:5; Ibr 2:18, Yaq 1:2, 13, 14; 1Phex 4:12; 2Phex 2:9)

▣ **"seerri"** lak 17, waa'ee yihudootaa haasa'a, kanaaf, jechi "seerri" jedhu asitti seera Muusee agarsiisa. Kunis lak 25 waa'ee dhaqna qabaa dubbatuun mirkanaahe. 2:18-20. Hoggantoonni yihudii karaan isaanii (Judaizm) sirridha amanta jedhu qabu, karaa Waaqayyoo isaan barsiisootaa waa'ee amantii qajeelo akka ta'an amantaa guddaa ofirratti qabu. Harkarra qabamuun ittigaafatama fida (Luq 12:48) walmaddinsa jechama ofitti amananna isaanii qalbifadha.

1. kartuu jaamaadha. lak 19
2. ifa warra dukkanaaf ta'e lak 19
3. sirreessa gowwaa lak 20
4. barsiisaa kichuu lak 20
5. dhugaafi beekkomsa lak 20

**2:21.24** yoo tokko abbomamuu isaatti amane, abboomiin sun guutuu ta'uu qaba. (Mat 5:20, 48; Gal 3:10 waraabi Deb 27:26 fi Yaq 2:10). Kun koyaatii sanyii namaaf waan hin danda'amnedha. Phaawuloos dubbistoota/dhageffatoota yihudii gaaffii akka diraamaafi gaafata ture lak 21-23.

**2:22 "Waaqayyooti tolfaman ni ciiggaata"** wayiirraa gargaluudha sababni isaas foolii hin toleetu hidda jecha kanaati.

▣ **"galma ni saamta"** seenaa dhumaan dhimmi kun eenyuun akka ilaalu mirkana miti. Garuuu eejja wajjiin hanga ta'e walqabata.

**2:24** Kun kan Isa 52:5 kan waraabamedha. Waaqayyoo Israa'elin eebbisu jechuun (Deb 27-28) addunyaaf ragaa akka ta'aniifi. Haata'uti, Israa'el kakuu san hin eegne, kanaafu, addunyaan murtii Waaqayyo qofa argan (Hizq 36:22-32) Israa'el mootummaa Luboota (Ba'u 19:5-6) taatee akka addunyaa gara YHWHti (Uma 12:3; Efs 2:11-3:13) fidduuf ture. Mataduree addaa, lallaba Bob 1:5 ilaali.

**Kitaaba Qulqulluu AOHH 2:25-29**
**25 Waan seerichi abboomu hundumaa yoo goote, dhagna qabaan siif waa'ee ni baasa; seericha irra yoo daddarbite garuuu, dhagna qabachuun kee akka waan dhagna hin qabatin hafteetti ni lakkaa'ama.26 Namni dhagna hin qabatin immoo waan seerichi gaafatu yoo eege, dhagna hin qabatin hafuun isaa akka dhagna-qabaatti hin lakkaa'amuufii ree?27 Egaa namni akka uumametti utuu dhagna hin qabatin hafee waan seerichi abboomu raawwatu, sitti ni farada, ati seericha caafame utuu qabduu, utuma dhagna qabattuus seericha irra ni daddarbita. 28 Namni bifa isa bakkeetti mul'atuun Yihudii waan ta'eef, Yihudii dhugaa hin ta'u; dhagna-qabaan fooniis dhagna-qabaa dhugaa hin ta'u. 29 Namni keessa namummaa isaatii isa bakkeetti hin mul'anneen Yihudii ta'e garuuu, Yihudii dhugaa dha; dhagna-qabaan yaada garaa namaas dhagna-qabaa isa dhugaa dha; kunis hojii hafuura Waaqayyoo ti malee, hojii seericha isa caafamee miti. Namni akkasii kun Waaqayyo biratti malee, namoota biratti hin jajamu.**

**2:25 "dhaqna qabaan"** Phaawuloos ammallee dubbin nama gahuu itti fufeera. Abbaan ta'ee dubbii, nuyi warra dhaqna qabanna (Uma 17:10-11) kaasii danda'a. Nuyi sanyii Abraahami. Phaawuloos abdii yihudootaa kana (Mat 3:7-10, Yoh 8:31-59) dhageetiif akka tolutti garaa guutuun caccabse.

Ollaan Israa'el cufti warra Filisxeem malee dhaqna qabataniiru. Gochicha qofa miti barbaachisaan, itti fufinsa amantoota argatanii malee (lak 26-27) kun dhugaa jila amantiwwan hundaati. Sabni amane eebba kakuu Waaqayyoo ni barbaada, garuuu ittigaafatama maleedha.

**2:25-26 "yoo… yoo … yoo"** Isaan kun haala hima gita sadaffaa waan dhiyeenyatti ta'uu danda'u agarsiisu. Abboomiin (Deb 27-30) walga'insa Phaawuloos boqonnaa 2 keessatti furtuu ture, garuuu 3:21-31 (Gal 3) keessatti miti 2:26-27 lakkoofsi kun abdii baata Ormoonni ifa qabaniif deebii kennan baata. Fakkenyi kitaaba qulqulluu kanaa ta'u danda'u HoE 10 irra qornoliyees dha. Innilee ta'u isa sirriitti lakkoofsa kanaa ta'u miti sababni isaas inni sodaataa Waaqayyoofi galma dhiyoo jirutti Waaqeffatudha.

Lakkofsi kunneen galcha dubbi Phaawuloos waa'ee fayyina yihudootaati, dhugumatti. Roomaa 3:23 dhimbiibbaan Kiristoos malee namni hundi afuuraan dhabamoota jedheeti. Ormoonni hanga ifa uumamaan qabanitti jiraataniifi miirama haamilee kennatan carraa ni kennaaf – hanga ta'e, kraa ta'e, yeroo ta'e 2:28-29 "yihudii dhugaa hin ta'u … Yihudi dhugaadha;"

Kun marii baayye barbaachisaadha. Sababa guddina tekinoolojii hammayyaa faca'aafi saba Waaqayyo isa bara Kakuu Moofaa isa saba Waaqa Kakuu Haaraa irra adda baasaa waan jiruufidha. Kakuu tokkoofi saba tokko qofatu jira (Rom 9:6, Gal 3:7-9, 29; 6:16; 1Phex 3:6) kakuun haarawaa guddinaa fi guutamuu dulloomaati. Sabni Waaqayyo yoo mara akkanadha; amantiin garuuu sanyiin miti. Isaan "saba garaati, jila miti ykn sanyii miti. Amantii malee, sanyiin furtuu miti. Sammuu kakuu, mallatto kakuu miti, mallattoodha.

▣ **"foon"** mata duree 1:3 ilaali

**2:29** mallattoon kakuu dhaqna qabaan (Uma 17:14) bara Kakuu Moofaa dubbi dalgaa Waaqayyotti banamu ture. Dubbuma dalgaan karaa baayye guddate (1) dhaqna qabaa garaadha (Deb 10:16 Erm 4:4) (2) dhaqna qabaa gurraa

(Erm 6:10) fi (3) dhaqna qabaa hidhii (Ba'u 6:12, 30). Seera jechuun koodii alaa jechuu miti, garuuu akeeka jireenya jijjiiru. Mataduree addaa : Ilaalcha Phaawuloos seeraaf qabu 13:9 ilaali.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"yaada garaa namaas dhaqna qabaa isa dhugaadha kunis hojii hafuura" Waaqayyooti malee, hojii seericha isa caafamee miti"** |
| **KJHH** | **"isa garaadhaa, afuuraan, barreeffamaan miti"** |
| **KQSHH** | **"dhimma garaati – waan hafuuraati malee barruu miti"** |
| **TIV** | **"hojii afuura Waaqayyooti, malee seera isa barreeffamee miti"** |
| **MB** | **"garaa keessatti – waan ta'e isa barreeffame miti garuuu isa hafuuraati.** |

Jechamni kun afaan Giriikiin mormiisiisaadha. Hiikkaan tokko tokko lak afuuraatti geessu (KQSHH, The Twentieth Century New Tesfament, the Knox translation, the lamsa translation of version) Hiikkonni Biroo garaagaruummicha akka afuura qulqullu fi (7:6, 2Qor 3:6 wanni walfakkaataan iddootti muldhate) barreeffama gidduutti ta'eetti ilaalu. (KQSAH, KJHH, NIB, NIV fi TIV)

Phaawuloos waa'ee Ormoonni Waaqayyoon gammachiisuu seerichaan alatti akka ilaalaa haqa kaasee haasa'eera. Yoo kun dhugaa ta'e, ijoolleen Waaqayyoo hanga dhaqna qabatan caalaa ni dabalamu. (Galaatiyaa) Maatiin Waaqayyoo yihudoota sanyummaa qaban caalaa bal'atu. (Uma 3:15, 12:3, Ba'u 19:5) Iyyoob, Malkatsaadeeq, Yetiro, Qaaleb, Rahaab, fi Ruut sanyiin yihudoota hin turre. Gosti Efireemiifi Minaasee cinaachaa misroota (Uma 41:50-52)

**Gaaffilee Mriidhaa**

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti, kanaaf hiikkaa keetiif kitaaba quqlulluu keetiif itti gaafatamaadha. Tokkoon tokkoo keenya ifa qabnu keessa socho'uun qabna. Ati, kitaabni qulqullu kee fi afuurri qulqulluu hiikkaa keessatti dursitoota- ibsaa wajjiin walitti laaquu hin qabdu.

Gaaffileen marii kunneen dhimmoota ijoo ta'an, kitaaba kana keessa jiran irratti akka yaaduuf si gargaaruuf qophaa'ee. Innis kanneen ilaalcha dammaqsan malee ibsa gaafatan miti

1. Akkamitti amantii dhabni yihudootaa abdii Waaqayyo miidhaa (3:3-4)
2. Yihudii ta'uun Waaqayyo biratti oogii qabaa (3:1-8)?
3. Dubbiin tuquun maalidhaa?
4. Qabxin dubbin tuqa lak 5-8 maalidhaa?
5. Yoo murtiin ulfina karaa amantiin malee hojiin hin ta'iin (3:8) akkamitti jireenyi namaa gatii qaba
6. Yaadni tiyoolojii waliigalaa baalage maalidha (3:10-18)
7. Akeekni seera Muuseedhaa ykn seera waliigalaa (3:20; Gal 3:24-25)
8. Maaliif seeyxaanni boqonnaa 1-3 hin tuqamnee, inni badiinsa namaa agarsiisu
9. Abdiin Kakuu Moofaa haala
10. Akeekni seera Muusee jireenya (1) yihudootaan ala (2) yihudootaaf keessatti maalidhaa?
11. Haasawa Phaawuloos 1:18-3:20 jiru buufata buufataan jechoota mataa keen ibis.

# ROOMAAN 3

| HIRAMSA BUUFATAA HIIKKOO HAMMAYYAA | | | | |
|---|---|---|---|---|
| **YBS4** | **KJHH** | **KQSHH** | **TIV** | **KQJ** |
| Yihudotaafi seera (2:17-3:8) | Murtiin Waaqayyoo ni faccifame | Oogi Yihudootaa | Yihudootaafi seera 2:17-3-8 | Abdiin Waaqayyoo isaan hin oolchu |
| 3:1-8 | 3:1-8 | 3:1-8 | 3:1-4 | 3:1-8 |
| | | | 3:5-6 | |
| | | | 3:7-8 | |
| Qajeelaan hin jiru | Hundi cubbamoota | Hundi yakkamtoota | Tokkolle qajeelaa miti | Hundi yakkamoota |
| | 3:9-20 | 3:9-18 | 3:9-18 | 3:9-18 |
| | | 3:19-20 | 3:19-20 | 3:19-20 |
| Qajeelummaa amantiin | Qajeelummaa Waaqayyo karaa amantii | Qulqullina dhugaa | Waaqayyo nama qajeelaa godha | Haqa muldhata Waaqayyo |
| 3:21-26 | 3:21-26 | 3:21-26 | 3:21-26 | 3:21-26 |
| | Of jajaan alatti | Of jajaan alatti | | Wanna Amantiin godhu |
| 3:27-31 | 3:27-31 | 3:27-31 | 3:27-31 | 3:27-31 17-21 |

**MARROO DUBBIISA SADII**

Fedha barreessaa ka'umsa sadarkaa buufataati hordofuun. Kun ibsituu qajeelcha qo'annoo, kanaaf hiikkaa keetiif, kitaaba qulqulluu keetiif iti gaafatamaadha. Tokkoon tokkoo keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni qulqulluu kee fi afuurri qulqulluu hiikkaa keessatti dursitoota. Ibsaa wajjin walitti laaquu hin qabdu.

Boqonnicha taa'umsa tokkoon dubbisi. Dhimmasaa addaan baafadhu. Hiramsa dubbi kee hiinamsa hiikkaale shanan olitti ibsamani jiranii bira qabii ilaali. Buufanni afuuratuun miti, garuuu fedha barreessaa ka'umsaa hordofuuf furtuudha, sun moo ija hiikkooti. Buufanni dhimma tokkofi tokko qofa qaba.

1. Buufata duraa
2. Buufata lammeessoo
3. Buufata sadeessoo
4. Kkf

**ILAA QABIYYEE**

A. Lakkoofsa 1-8 yaada firoomudha, garuuu yaa'a dubbi Phaawuloos hordofun rakkisaadha. Sababiin inni teekinika barreeffama dubbin tuqu fayyadama.
B. Phaawuloos dubbii 2:17-29 irra jiruuf akkamitti deebii akka kennan eegee ture. Kanaaf mormiisaanii deebii kenne (Qorley, Vaguhaan, Roomaa fula 37-39)
   1. Gaaffii duraa, dhuguma yihudootaaf oogiin in jiru (lak 1-2)
   2. Gaaffii lammeesso, sagaleen Waaqayyo kan kufe waan yihudoonni amantii dhabaniifidhaa? (lak 3-4)

3. Gaaffii sadaffaa Waaqayyo of garsiisuuf eegi yihudoota filatee yihudoonni ammallee ittigaafatamoodhaa?

C. Xumurri kanaa gara 2:11 fi deebi'a. Waaqayyo wajjiin loogiin hin jiru. Namni hundu ifa isaanii kennameen ala jiraachuusaaniitti ittigaafatamtoota. (Muldhaa uumamaa fi ykn muldhata addaa)

D. Lakkoofsi 1-18 waraabbi cubbu yihudootaa agarsiisudha.

E. Lakkoofsi 19-20 haala afuuraa Israa'eliif akeeka Kakuu Moofaa walitti qabateera (Gal 3)

F. Lakkoofsa 21-31 dhimbiibbaa 1:18-3:20ti. Isaan qaxii tiyoolojikaa wangeelaa duraati (ful 2 irra ilaali) Qo'annoo jechaafi jechamaa

**3:1-8**
**[1] Egaa Yihudiin caalmaa maalii qaba ree? Yookiis bu'aan dhagna-qabaa maali ree? 2 Karaa kam iyyuu bu'aa baay'ee qaba, bu'aa kana keessaa inni caalu, sagaleen abdii Waaqayyoo Yihudootatti hadaraa kennamuu isaa ti.3 Isaan keessaa kaan yoo hin amanamne ta'an immoo attam ta'a ree? Amanamuu dhabuun isaanii immoo amanamummaa Waaqay yoo oolchaa ree?4 Kun raawwatee ta'uu hin danda'u; namni eenyu illee sobaa yoo ta'e iyyuu akkuma caaffanni qulqullaa'aan, "Ati dubbii kee hundumaan dhugaa akka argattutti, yeroo si hadheessanittis akka irra aantutti" jedhu, Waaqayyo dhuga-qabeessa.5 Garuuu jal'inni keenya qajeelina Waaqayyoo mul'isuudhaaf hojjeta yoo ta'e, nuyi maal jenna ree? Waaqayyo yeroo nutti dheekkamu jal'ina hin hojjetuu ree? Kanas akka yaada namaattan dubbadha.6 Kun raawwatee ta'uu hin danda'u! Silaa immoo Waaqayyo attamitti biyya lafaatti farada ree?7 Garuuu soba kootiin dhugaan Waaqayyoo caalaa mul' atee, ulfina kennisiisaaf yoo ta' e, maaliif ammuma iyyuu akka cubbamaatti yakki anatti muramaa jira ree?8 Y oos immoo gaariin akka dhufuuf hamaa ni hojjenna hin jennuu ree? Kaan akkas jechuu isaa ti jedhanii maqaa koo balleessaniiru, isaan akkasiitti yakka muruun garuuu qajeelaa dha.**

**3:1 "Yihudiin caalmaa maal qabure?"** Phaawuloos dubbin tuquu isaa ittima fufeera ykn nama gahu, ergaasaa dabarsuuf. Oogii yihudootaa tarreeffameef 3:2 fi 9:4-5 ilaali.

**3:2 "Inni caalu"** Phaawuloos "caalu" kan inni fayydame 1:8 keessati garuuu osoo wanni inni caalu lammataa hin tuqamiin asittis akkanuma godhe. Barreeffamni Phaawuloos fagoodha akkasumas haasa'aadha. Kanaaf haasaan seerhiga isaa hanquudha.

▣ **"Sagaleen abdii Waaqayyo yihugootatti kennamu isaati"** Muldhaa Waaqayyo beekuun ittigaafatama akkasumas oogii irra jigadha. (9:4-5) isaan meeshaa waraana kennaa Waaqayyooti. (1Tas 2:4)

Jechi logion (abdii) jedhu sagalee isa Waaqayyoo irraaf (lak 24:4, 16 Deb 33:9; Far 119:67, Isa 5:24; 28:13) Septuagint keessati fayyadame. Kakuu Haaraa keessatis miira walfakkaatuun dhaabataan itti fayyadamaa tureera. (HoE 7:38, Ibr 5:12 1 Phex 4:11)

**3:3 "Yoo"** kun hima haalaa gita dura ti sa'eeti kallatti ilaalcha barreessichaan dhugaa ta'uun tilmaamama. Lakkoofsa 5 fi 7 hima haalaa gita dura ti.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KJHH** | **"Hin amanne ta'ani"** |
| **KQSHH,KQJ** | **"Muraasni hin amanne"** |
| **TIV** | **"Yoo muraasni hin amanne ta'an"** |

Kun Israa'eloota matayaan agarsiisa. (1) amanu dhabuu ykn (2) YHWH fi matayaan amanu hanqachu. Abdii Waaqayyoo haala maleetti hayyamoomaan hiiquun rakkisaadha. (Sanyi namaa kufee lubbu bitachuu) fi haala mirga deebi namootaa. Ammallee kun cigoo kitaaba Qulqulluuti (3:4-5) Waaqayyoo ammallee yeroo sabni isaa amanamoo hin ta'initti inni amanamaadha. (HOS 1,3)

▣ **"Oolchaaree"** Mataduree addaa gadii ilaali

**MATADUREE ADDAA : DUWAA FI BADDO (KATARGEO)**

Kun (katargeo) jecha Phaawuloos caalchifatudha. Si'a digdamii-shan itti fayyadame garuuu hiikka balloo

qaba

A. Hiddi etimolojikaalaa isaa argos irrati innis
   1. Hadoodaa
   2. Kophaatti
   3. Hin fayadiin
   4. Gatii hin qabne
   5. Hin hojjenne
B. Tishoomni jecha kana kan fayyadu
   1. Hadoodaa
   2. Gatii dhabeessa
   3. Kan haqame
   4. Kan hojjetame darbe
   5. Guutummatti hin hojjenne
C. Takkaa Luqaas keessatti ija dhaba ibsuu, kanaaf muuka, gatii dhaba (Luqaas 13:7)
D. Phaawuloos miira fakkattiin kara lama ittifayydame
   1. Waaqayyoo wantoota hin hojjenne sanyi namaaf diira ta'an toche
      a. Uumama cubbuu sanyi namaa Rom 6:6
      b. Seera Musee walitti dhufeenya abdii Waaqayyo "firii" wajjin ture (Rom 4:14; Gal 3:17; 5:4, 11; Efs 2:15)
      c. Human afuuraa 1 Qor 15:24
      d. "Nama seera dhabaa" 2Tas 2:8
      e. Du'a qaamaa 1Qor 15:26; 2Xim 1:16 (1br 2:14)
   2. Waaqayyo isa duloome (kakuu, bara) haaraan buuse
      a. Wantoota seera Muuseetti idhatan Rom 3:3, 31; 4:14; 2Qor 3:7; 11,13,14
      b. Waa'ee gaayilaa seeraaf fayyadu Rom 7:2,6
      c. Wantoota bara kanaa 1Qor 13:8,10,11
      d. Qaama kana 1Qor 6:13
      e. Hoggantoota bara kanaa 1Qor 1:28;2:6

Jechi kun karaa baayyee hiikkameera garuuu hiikkaan inni muummeen gatii dhaba, duwwaa, gatamaa, hin hojjenne, human dhaa garuuu kan hin jirre, manca'e ykn balleessu miti.

**3:4**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"Kun raawwate ta'uu hin danda'u"** |
| **KJHH, TIV** | **"Gonkumaa hin ta'u."** |
| **KQSHH** | **"Mala kamiinu** |
| **JV** | **"Sun namaa hin galu"** |

Kun itti fayyadama yeroo heedduu hin mullunne kan gochima hawwii yookiin fedhii kan qabu ta'ee kan fedhii ykn kadhataa yoo hiikkamu moo "kan raawwate ta'uu hin dandeenye ta'a. Jechamni haadhawaa amantii dhabaa Phaawuloosii itti fayydama sababii teekinika barreeffama isaa dubbin tuqaati (3:4,6,31; 6:2,15;7:7,13;9:14;11:1; 1Qor 6:15; Gal 2:17; 3:21; 6:14)

Toftaa mirkansa tilmaamaa isaa haaluudha.

Haala Phaawuloos ittiin gaaffii mormiifi dubbii gatii dhabsiise

1. "Kun raawwatee hin ta'u" lak 4,6
2. "Mee Waaqayyo dhugaa ta'e, namoonni sobdoota haa ta'an" lak 4
3. "Akka namootaattin haasa'a" lak. 5
4. "Akka namoonni nuun jedhanittifi akka jettan nuun jedhaniti" lak 8

▣ **"Namni eenyullee sobaa yoo ta'eyu, Waaqayyo dhuga qabeessa"** kun abboommii yookiin ajaja yeroo ammaa kan giddu galeessaaati(present middle imperative). Ijaarsi kun kaniinni xiyyeeffatu itti fufinsa dhimmicha irratti Waaqayyo amanamaafi dhuga qabeessa, namoonni sobdootaafi amantii dhabdoota. Kun hidhata Fr 116:11ti akkanuma waan Iyyoob 32:2; 40:8 keessati barateen walfakkaata.

Qabxiin cubbamuu duuniyaa boqonnaa kanaa, itti fayydama Phaawuloos jecha pas (hunda, mara) lak 4,9,12,19,20,23,24 keessatti fayyadameen muldhata, garuuu Waaqayyoon fayyina duuniyaas hundaaf kennee jira (3:22)

▣ **"Akuma jaaffanni Qulqullaa'aan"** Akkuma barreeffamaaa ture darbees ni barreeffama. Kun hima haalaa gita dura dha. Dheekko teekinikaa ittin kaka'umsa Waaqayyo barreeffamichaaf qabu agarsiisuuf fayyadamedha. (Mat 5:17-29) kunis Far 51:4 isa Septuagint (LXX) irraa waraabamedha.

**3:5-6** Haasofni Phaawuloos lak kana keessattti haasa'u filannoo Waaqayyo Israa'eloota filate ittin addunyaa keessatti "filannoon" tajaajilatti hidhata malee. Oogii addaa miti. Waaqayyo isaan wajjiin kakuu godhate. Inni amanamaadha. Isaan hin amanamne (Nehimiyaa 9) Waaqayyo Israa'eloota amantii dhaban murtiitti dhiyeessuun isaa qajeelummaa isaati.

Israa'elonni ittindhaqaba Ormootaati. Nikufani (3:24)! Akeekni fayyina duuniyaa Waaqayyo (Uma 3:15) kufaatii Israa'elootaan hin hacuuccamu. Akka dhugaa ta'eeti amanamni Waaqayyo kakuu isaa ka'umsaa Romee 9-11 keessatti mirkanaa'e. Israa'elonni amanti dhabduu ni gatamani tasgaba'an.

Dubbiin tuqa Phaawuloos lakk 5-6 isa lak 7-8 walmmaddisa.

**3:5 "yoo"** kun___ kallatti barreessichaa ykn akeeka barreeffamichaan dhugaa ta'uun ni tilmaamana. Lak 3 fi 7 ___ dha.

▣ **"jallinni keenya qajeelina Waaqayyo mul'isuudhaaf hojjeta yoo ta'e"** Baki maqaa kun, keenya, walumatti qabaa fi yihudoota hundaafi. Mata duree addaa 1:17 ilaali.

▣ **"nuyi maal jennaree?"** Phaawuloos dubbin tuqa fayyadama (3:5; 7:7; 8:31; 9:14,39) Phaawuloos dubbin tuqa barsiisaa isaa mormituu tilmaama qabatee ibsuu itti fufe (Mal 1:2, 6, 7, 12, 13: 2:14,17 (si'a lama) 3:7,13,14)

▣

**NASB "Akka namaatti dubbanna"**
**NKJV "Akka nama dubadha"**
**NRSV "Akka namaattin dubbadha"**
**TIV "Asitti akka namni godhun dubbadha"**
**JB "__ haasa'a namaatti fayyadamu___"**

Hasawa isa tiyooloojii keessatti Phaawuloos yaasa dubbi namootaa fayyadama (6:19; 1Qor 9:8; Gal 3:15) Asitti akka ittin gata yaada mormaa tilmaamaati tajaajilameera. 3:7-8 lak 5 fi 7 gidduu walmaddinsa ifaatu jira. Phaawuloos (1) teekinika tuqa dubbi itti fayyadamuu itti fufeera, mormata tilmaama (3:5,7; 7:7; 8:31; 9:14, 30) ykn (2) yaada lallaba isaa murtii amantin jedhu irratti qeeqa dhiyaatef deebi kennu ta'a (lak 8)

Phaawuloos waa'ee komeesaa ykn deebii isaa hin ibsine, garuu komicha humniffaan balaaleffateera. Mormiin murtiin amantiin tola hin argamne irratti gara seera maleeyummaa ykn abbomamuu ala kan ta'e amanti dhabummaat nama geessa jechuun ni danda'amadha.

Phaawuloos ulfinni tolaa gara fakkeenyummaa Kiristoositti karaa afuura haarawaafi jiraanya kabajaa akka nama geessu ni amana. Yihudoonni, haamiltonni Giriikiifi Phaawuloos jireenya naamuusa jiraachuu fula fulaasaanii ni barbaadu. Garuuu kan argamu, seera alaaf bitamuun miti, garuuu laphee haarawaani (Erm 31:31-34; Hzg 36:22-36)

**3:7 "Yoo"** kun hima haalaa gita dura ta'e kallatti barreessaadhaan ykn akeeka barruudhaan dhugaadha jedhame tilmaamama.

▣ **" "** mataduree addaa 15:13 ilaali.
▣ **"Ulfina Isaa"** yaadanno 3:23 ilaali.

**3:9-18**

**[9]Egaa nuyi warri Yihudootaa caalmaa qabna moo ree? Waawuu, karaa tokko illee hin qabnu; anoo kanumaan dura Yihudoonni, Yihudoota warri hin ta'in hundinuus humna cubbuu jala akka jiran mul'iseera.**
**10 Caaffanni qulqullaa'aan, "Namni qajeelaan hin jiru, lakkii, tokko illee hin jiru.**
**11 Namni tokko iyyuu hin hubatu, namni tokko illees Waaqayyoon hin barbaadu;**
**12 namoonni hundinuu karaa Waaqayyoo irraa goraniiru, ergaan-takkaa warra dhimma hin baafne ta'aniiru; namni gaarii hojjetus tokko illee hin jiru,**
**13 afaan isaaniitiin gara awwaala banamaatti nama geessu, arraba isaaniitiin ni gowwoomsu;hadhaan mar'ataa hidhii isaanii jala jira.**
**14 Afaan isaanii abaarsaa fi dubbii hadhaa'aadhaan guutuu dha;**
**15 miilli isaanii dhiiga dhangalaasuutti ariifataa dha,**
**16. karaa isaan irra darban irra diiguu fi gadadchuutu jira;**
**17 isaan karaa nagaa immoo hin beekan;18 Waaqayyoon sodaachuun yaada isaanii keessa hin jiru" jedha.**

**3:9 "Nuyi ….. caalmaa qabna moo ree?"** Seerulugichi sadarkaa kanatti dogoggorsiisaadha. Dhugaan barreeffama kanaan namni hundi akka ulfina Waaqayyoo barbaadu (3:9, 19, 23; 11:32, Gal 3:22) dha. Haa ta'uti xiyyeeffannon saba yihudaa ta'uun mirkana miti (Phaawuloosiifi sanyiinsaa, TIV, RSV) ykn kiristaanoota (Phaawuloosiifi amantoota ulfina Waaqayyon alatti), yihudoonni caalmaa ta'e qabu (lak. 1-2; 9:4-5) garuuu caalmaan kun ittigaafatama dabalataa itti godhe. Namni hundi afuuraan cala'aniiru. Ulfina Waaqayyo barbaada.

Jechi "caalmaa" jechu hayyoota heddu biratti akka sagalee darbee tii hubatama bakka isa giddu galeessaa (caalmaa ti). Kunis yoo hiikkamu "Caalmaatti" ta'a.

Kitaabni Roomaa ergaa Phaawuloos keessaa isa tasgabaa'aa jedhamee fudhatama. Ergaa Phaawuloos hedduun fedhii naannoo ykn rakkina (ragaa haala yeroo) ti. Haa ta'uuti, hinaafaa hoggantoota yihudoota amananiifi hoggantoota Oromoota amananii giddu jirufi kkf duubaan jiraniifi boqonnaa 9:11ti.

▣ **"Humna cubbuu jala"** Phaawuloos "cubbuu" akka gooftaa hamaa sanyii namaarratti ta'etti ibsa. (6:16-23) 3:10-18" caaffanni qulqulla'aan "Jechamni kun lak 4 keessas jira Dubbiin itti aanee jiru itti fufa Kakuu Moofaa keessa waraabamedha dubbi qaama namaatti qabame kufaatii sanyii namaa agarsiisuuf itti fayyadamedha. (1) lak 10-12 ilaali 7:20, ykn Far 14:1-3; (2) lak 13, Far 5:9 ykn 140:3; (3) lak 14 Far 10:7 (4) lak 15-17, Isa 59:7-8 fi Fak 1:16, fi (5) lak 18, Far 36:1. Wanni nama ajaa'ibu Phaawuloos Isa 53:6 itti hin fayyadamne.

**3:19-20**

**[19]Ammas seerri waanuma jedhu, warra seera jala jiranitti akka dubbatu nuyi ni beekna; kanas nama hundumaa afaan qabachiisuudhaaf, guutummaa biyya lafaas firdii Waaqayyoo jala galchuudhaaf ni dubbata.20 Egaa nama kan ta'e tokko illee wanta seerri nama irraa barbaadu gochuudhaan Waaqayyo duratti qajeelaa hin ta'u. Seerri cubbuun maal akka ta'e nama hubachiisa.**

**3:19 "Nuyi ni beekna"** yaadannoo 2:2 ilaali

▣ **"Seerichi"** yaadni kun guutummaa Kakuu Moofaa agarsiisa. Sababni isaas inni lak 10-18ti tuqameera. Phaawuloos "seericha" akkam jedhetti "cubbicha" lak 9 (6:16-23) keessati akka ofiitti ibse.

▣ **"Warra seera jala jiranitti"** Kun addati warra yihudootaafi Ormoota jijjiiraman ilaallata. Baayyinni waraabi Kakuu Moofaadhaa Ormoota akkan agarsiisu hubatamaadha.

▣

**KQSAH "Nama hundumaa afaan qabachiisuudhaaf, guutummaa biyya lafaas firdii Waaqayyo jala galchuuf"**
**KJHH "Afaan hundi qabameefi guutummaan addunyaadha Waaqayyo duratti yakkamtoota ta'anii**
**KQSHH "Sanyiituu afaan hundi caldhisee, guutummaan biyya lafaas Waaqayyoof ittigaafatamtoota ta'anii**

**TIV "Nama hunda dhiifama dhasiisuuniifi biyya lafaa cufa murtii Waaqayyootti dhiyeessuu**
**KQJ "Garuuu nama cufa caldhisiisuuniifi biyya lafaa hunda murtii Waaqayyootti** dhiyeessudha.
Kun ijoo dubbii boqonnaa 1:18-3:20 isa 3:23 keessati dhiimbiibamedha.

▣ **"Afaan nama hundumaa"** jechamni heddun lak 19-20 kana keessaa nama hundumaa kan agarsiisan ni jiran.

1. "afaan hundumti" lak 19
2. "addunyaan hundi" lak 19
3. "foon kamuu" lak 20

**3:20 "Egaa nama kan ta'e tokko illee wanta seerri namarraa barbaadu gochuudhaan Waaqayyo duratti qajeelaa in ta'u."** Kun Far 143:2, ti dugdadha. Kun ilaalcha wangela Phaawuloos muummeedha. (Gal 2:16; 3:11) Akka Fariisoota aarsaa qopha'anii Phaawuloos nagenya waaraa fiduuf hanqina dandeetifi fedhii amantiifi xiyyeeffannon hojichaa addatti ni beeka.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KJHH** | **"seerri cubbuun maal akka ta'e nama hubachiisa"** |
| **KQSHH** | **"Seeraan cubbuun ni beekama"** |
| **TIV** | **"serri waaniin godhu namni akka cubbuu godhe hubachiisaan"** |
| **KQJ** | **"Seerri kan godhu waan cubbuu ta'e nu barsiisudha"** |

Kun akeeka Kakuu Moofaa keessaa isa tokko. Mataduree addaa 13:9 ilaali. FAyyina gara sanyi nama kufetti fiduu miti. Akeeknisaa cubbamtoota muldhisuun nama hunda gara ulfina Waaqayyooti oofudha (4:15; 5:13,20; 7:7, Gal 3:19-22, 23, 29)

Gaaffiilee mariidhaa

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti, kanaafu hiikkaa keetiif kitaaba qulqulluu, ketiif ittigaafatamoodha. Tokkoon tokko keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni qulquluu kee fi afuurri qulqulluun hiikkaa keessatti dursitoota. Ibsaa wajjiin walitti laaquu hin qabdu.

**GAAFFILEE MARIIDHAA**

Kunneen dhimmoota muummee kutaa kitaaba kanaa irrati akka yaadduuf akka sih gargaaraniif kan qopha'anidha. Isaanis warra ilaalcha dadamaqsan malee kan

1. Akkamitti amantii dhabni yihudootaa abdi Waaqayyo miidhaa? (3:3-4)
2. Yihudii ta'un Waaqayyo biratti caalmaa qaa 3:1-8
3. Qabxiin ijo mormii tilmaamaa (dubbin tuqaa) maalidha? Lak 5-8
4. Yoo muriin ulfinaa karaa amantiin malee hojin in ta'iin akkamitti jireenyi namaa gatii qabaa? (3:8)
5. Yaadni tiyoloojii waliigalaa baalages maalidhaa (3:10-18)
6. Akeekni seera Muusee ykn seera Waliigalaa maalidha (3:20; Gal 3:24-25)
7. Maaliif seexanni boqonnaa 1-3 isa badinsa namaa agarsiisu keessatti hin tuqamiin hafee?

**ILAA YAADAA ROOMAA 3:21-31**

A. Roomaa 3:21-31
   1. Dhimbiibaa dhiita'oo 1:18-3:20
   2. Dabalata gadifageenyaa 1:16-17
   3. Seensa boqonnaa 4-8 (Kes 3:28)
B. Dhimbiibbaan dhiita'oo doktiriina murtiin amantiinii haaromsitootaan beekkama
   1. Maartiin Luutar akka "qabxii olaanaafi iddoo giddu gala ergamaafi kitaaba qulqullu waliigalaa"
   2. Joon Kalviin akka "kitaabuma Qulqulluu waliigalaa keessati feetu dubbisni dursee qajeelummaa Waaqayyo Kiristoosiin keessaan ibsu hin jiru"
C. Kun keessa lallaa kiristaanummaa tiyoolojiiti. Yaada kana hubachuun kiristaanummaa hubachuudha. Kun wangeela dhiimbiibbaa buufata lamaan akka Yohaannis 3:16 wangeela lakkoofsaaniiti. Kun mar'ummaaniifi lubbuu dhiyeessi wangeela Phaawuloosidha.
   Gaaffileen balballoommii furtuu sadiidha.
   1. Jechi "seera jedhu maalii
   2. Jechamni "qajeelummaa Waaqayyo" jedhu maalii"
   3. Jechamni "amanamaa" fi "amantii" jedhan maalii?

D. Ani jechoota “hunda” lak 22 (lak 29) fi “kennaa” lak 24)5:1, 17; 6:23) jedhaniif Waaqayyoon nan galateeffadha.

Qoannoo jechaafi jechama

> **3:21-26**
> **[21]Amma garuuu karaa seerichaa utuu hin ta' in, karaan namni ittiin qajeelaa ta'u Waaqayyo biraa mul'ateera; seerrii fi raajonni karaa kanaafdhugaa ba'aniiru.22 Namni Yesu: Kristositti amanuudhaan fuula Waaqayyoo duratti qajeelaa ir ta'a; kana irrattis warra amanan hundumaaf garaagaruummaar hin jiru.23 Hundinuu yakkaniiru, ulfinni Waaqayyoo: isaanitti hir' ateera.24 Isaanumti immoo ayyaana Waaqayyo( isa karaa furii Yesus Kristos tola isaaniif kennameen qajeelota ni ta'u.25 Inni dhiiga isaa dhangalaasee du'uudhaar warra isatti amananiif mi' a araaraa haa ta 'uuf, Waaqayyo isa dhaabe. Waaqayyo ofii isaa qajeelaa akka ta'e mul'isuudhaa: kana godhe; obsa isaatiinis cubbuu namoonni kanaan dun hojjetan irra darbeeraaf.26 Bara sanaattis Waaqayyo qa. jeelummaa isaa argisiisuuf inni ofii isaa qajeelaa ta'uu isaa nama Yesusitti amanus qajeelaa gochuu isaa mul'iseera.**

**3:21 “Garuuu amma”** Phaawuloos kakuu moofaafi kakuu haarawaa walbira qabee bara dulloomaa ganiinsaafi bara haarawa qajeelummaa ilaale. Kun “yeroo amma kanaan” walmaddisa (lak 26. “garuuu amma” 6:22; 7:6) dha.

▣ **“amma …”** (karaa seerichaa utuu hin a’iin) Phaawuloos seera Muusee (KQSAH) ykn seera (KQSHH, TIV, NKQJ, NIV) walii galaan akka inni seensa boqonnaa kanaa keessati agarsiisu mirkansan jabaa rakkisaadha. Yaada kanaaf seerri yihudootaa haasa’a Phaawuloosiin ni argata. Namni cufti waldaya hamilee, qajeelcha hawaasaa keessaafi alaa ni cabsa. Rakkinni keenya akka nama kufeetti ofittummaa fi fedhii gidu gala godhame jiraachu malee qajeelcha nama Biroo hin feenu. (Uma 3)

▣

**KQSAH** **“qajeelchaa ta’uu Waaqayyoo”**
**KJHH, KQSHH** **“qajeelummaa Waaqayyoo”**
**TIV** **“karaa Waaqayyo nama qajeelaa godhee kaa’e”**
**NKQJ** **“murtii Waaqayyo baraarsaa”**

“Qajeelummaaf” dura waanti galu hin jiru. Kun amala Waaqayyoo hin agarsiisu, garuuu karaa Waaqayyo cubbamtoota dhiifamaafi fudhatama isaanii ergudha. Jechamni gaariin kun qabiyye tiyooloojii Rom 1:16-17 keessatti hojiirra ooleera. Toftaan ifaan muldhae kun amantii Yesuus Kiristoos fannifame dha (lak 22,24-26)

Dhugumatti jechi kun (dikaiosone) fi irraa tolchisaa (yaadanno 2:13 ilaali) yaada kana keessatti ka’una barbaachisummaa isa agarsiisa. (1:17; 3:5, 21, 22, 25, 26; 4:3, 5, 5, 9, 11, 13, 22; 5:17; 21; 6:13, 16, 18, 19, 20; 8:10; 9:28, 30, 31; 10: 3, 4, 5, 6, 10, 17). Jechi Giriikaa isa Kakuu Moofaa keessaa (tsadaq) innis “sadarkaa” ykn “safartuu” jechudha sadarkaa safaraa Waaqayyuma. Jechichi amala Waaqayyoo karaa Kiristoos sanyii namaa kufeef tola kenname dha. (2Qor 5:21) fedhii isaanii beekanii kenna Waaqayo fudhachun namaa of tultootaafi ofittoota _ keessattu cichitoota seeraafi amantii warra ta’aniif gammachiisaa ture. Mataduree adda 1:17 ilaali.

▣ **“Seerriifi raajonni karaa kanaaf dhugaa bahaniiru”** kun hintaa sadeen aanoona Ibroota (seera, raajiifi barruu) keessaa lameen agarsiisa. Lameen jalqabaa kun hunda agarsiisu (yaadanno 3:19 ilaali) kun kan agarsiisu wangeelli bifa qophaa’ummaan Kakuu Moofaa keessatti (Luq 24:27, 44 HoE 10:3) qabameera. Yaada booda gala miti “Karoora B” ykn sagantaa daqiiqa dhumatti waldhahe miti (1:2)

**3:22 “Yesuus Kiristoos amanuudhaa”** kun karaa “amantii Yesuus Kiristoosiini. Kun ijaarsa jechoota kan biraa irratti dhiibbaa kan uumudha (genitive) Gal 2:16 fi Filp 3:9 keessatti irra deebi’ameera, Rom 3:26; Gal 2:16, 20; 3:22 keessa moo walfakkaati ni qaba. Sana jechuun (1) amanu ykn amanamumma Yesuus genitive matima ykn (2) Yesuus akka kaayyo amanamaa keenyaa _ genitive gochima wajjin waltti dhufeenya kan qabu jechuu dha. Ijaarsi seerlua inni Gal 2:16 keessaa #2 filannoo hundaan ol godha.

Kun karaa murtii Waaqayyoo agarsiisa. Qajeelummaan Kiristos jirenya namaa keessati hojiirra kan oolu kennaa tolaa Waaqayyo isa Kiristoos keessaan (4:5; 6:23) darbu, isa amananaa/amantiin amantaan (Ef 2:8-9) fudhatamuufi guyyuu jiraatamudha. (Ef 2:10)

▣ **"Hundumaaf"** wangeelli hundumaafi (lak 24, Isa 53:6, Ezk 18:23 Yoh 3:16-17, 4:42; 1Xim 2:4; 4:10; Tit 2:11; 2Phex 3:9; 1Yoh 4:14) Maal dhugaa guddaan! Kun dhugaa filanno kitaaba qulqulluu madaalu qaba. Filannoon Waaqayyo akka ejjenno Islaamaa ykn cichitu kalviniistii gama kaaniirra, garuuu seera qabeessa kan ta'dha.

Filannoon bara kakuu haarawaa tajaajilaafi male oogii miti! Waaqayyo nama kufe lubbu bituuf waadaa gale. (Uma 3:15) Waaqayyo sanyii namaa ni yaame, nifilate karaa saba Israa'el (Uma 12:3; Ba'u 19:5-6). Waaqayyo amantiidhaan karaa Kiristos filate. Waaqayyo yeroo hunda fayyisu irratti dursa ofii fudhata. (Yoh 6:44, 65) Efesoon 1 Roomaan 9 doktiriina warra dur murtaa'ee jedhan tiyoolojiidhaan ammoo kan Augistiiniifi kalviniin nyaq godhame dubisa kitaaa qulqulluu isa jabaadha.

Waaqayyo amantoota fayyina (murii) qofa miti kan filate garuuu akka eebbifamaniif (Ef 1:4, Qol 1:12). Kunimmoo kan inni firoomu (1) gita keenya kiristoosiin (2Qor 5:21) ykn (2) fedha Waaqayyo amala isaa ijoolle isaa keessa kaa'u. (Rom 8:28-29; Gal 4:19; Ef 2:10). Fedhiin Waaqayyo ijoollee isaaf qabu guyyaa tokko jannatati fi amma moo Kiristoosiin fakkaachuu

Galmii dur raawwatamummaa qulqulla'ina, malee oogii miti. Waamichi Waaqayyo ijoollee Addaam murtaahaniif osoo hin taane hundumaa. Yaamicha gara amala Waaqayyotti (1 Tas 5:23; 2 Tas 2:13). Bakka jireenya qulqulla'aa dur murtaa'ummaa gara dunkaana tiyoolojiiti garagaalchuun toftaa tiyoolojii nama isa gaddisiisaa dha. Gingilchaan keenya yaada kitaaba qulqullu ni balleessa.

Mataduree addaa ilaali. Filannoo (dur raawwatummaafi madaalli tiyoolojii barbaaduu 8:33 keessatti

▣ **"Warra Ajanan"** Yesuus nama hudumaaf du'e. Hundi fayyuu ni danda'a. Qulqullummaan Iyyasuus jireenyasaanii keessa akka gale (1:16, Yoh 1:12; 3:16; 20:31; Rom 10:9-13; 1Yoh 5:13) kan godhu fudhanna dhuunfaa sanyii namootaati. Qajeelummaafi qalbii diddiranna (Marq 1:15; HoE 3:16, 19:20:31 fi yaadanno 1:5 ilaali) Barruu kun fiixee fayyina duuniyaa muldhisa, garuuu hundi ni fayya miti.

▣ **"garaagaruummaan hin jiru"** daandii tokkichaafi nam tokkicha karaan fayyina (yihudootaafi Ormootaaf) ni danda'ama. (Yon 10:1-2, 7; 11:25; 14:6) Abbaan fedhee fi kan fedhe Kiristoositti amanuun ni fayya (1:16; 4:11, 16; 10:4, 12; Gal 3:28 Qol 3:11)

**3:23-26** Kun afaan Giriikitti hima tokko.

**3:23**
**KQSAH, KJHH**
**KQSHH** **"Hundi yakkaniiru, hanqataniiru**
**TIV** **"namni hundi cubbameera, irraa baqatu qabna**
**KQJ** **"cubbamaniiru, adabamaniiru."**

Kun golabbii 1:18-2:20TI. Namuu Kiristoosiin fayyuu ni barbaada (3:9, 19; 11:32; Gal 3:22; Isa 53:6) "yakkaniiru" waan amma irra jiru kan agarsiisudha. wayita "isaantti hirrateera" kan giddu galeessa yeroo ammaa agarsiisu dha. Jechamni kun dachaan kufaatii sanyi namaa waliigalaa Adaamiin (5:12-21) kufeefi dhunfaan ammoo ganiinsi isaa itti fufuu agarsiisa. Hiikkaa hammayyaa afaan Ingiliffaa keessa kan kana adda baase agarsiisu hin jiru. Akka tiyoolojitti lak 21 fi al-kallatiin lak 24 ni firooma.

▣ **"ulfina Waaqayyo"** Kakuu Moofaa keessatti jechi Ibroota "ulfina" agarsiisu (kbd) innis jecha daldalaa (madaaltoo cimdii) yoo ta'u hikkaansaa "kan ulfaata ta'e" jechu ture. Wanni ulfina qabus akka gatii guddaa qabu ykn qabeenya ta'eti beekama. Yadni addeenya jechati dabalamee simboo Waaqayyoo ibsuu (Ba'u 19:16-18; 24:17; Isa 60:1-2) eegale. Inni qofti ulfaaaafi kabajamaadha. Inni sanyi namootaa kufan galata dhiyaatuuf qophiidha. (Ba'u 33:17-23; Isa 6:15). Waaqayyo dhugumati karaa Kiristoos qofa beekkamu danda'a. (Erm 1:14; Mat 17:2; Ibr 1:3; Yaq 2:1)

Jechi "ulfina" jedhu hanga ta'e walxaxaadha (1) feetu qajeelummaa Waaqayooti walmaddisa (lak 21) (2) feetu mirkansa Waaqayyo agarsiisa (Yoh 12:43); (3) fakkenya Waaqayyoo sanyi namaa ittin uumame (Gen 1:26-27; 5:1; 9:6) isa booda ganee (Uma 3:1-122), garuuu karaa Kiristoos bikkati deebi'a (2Qor 3:18). Jechi kun dura keessatti YHWHn sabasaa wajjiin jiraachu (Ba'u 16:7,10; Lew 9:23; lak 14:10) fi ammalle galma isaa ta'uu agarsiisa.

**MATADUREE ADDAA : ULFINA**

Yaada kitaabni Qulqullu jecha “ulfina” jedhu qabu ibsuuf rakkisaadha. Ulfinni amantootaa wangeelaafi ulfina Waaqayyo malee kan ofiisaaniti hin bubatani (1:29-31 Erm 9:23-24)

Kaku Moofaa keessatti jechi Ibrootaa “Ulfinaaf” gita ta’e (kbd) jecha daldalaa madaalli jechudha. “Waan ulfina qabuuf inni ulfina qabus akka gatii qabeessa ykn qabeenyatti ilaalama. Jechi addeenya gara jechootaattis kan dabalame simboo Waaqayyo muldhisuuf (Ba’u 19:16-18, 24:17; Isa 60:1-2) Inni qofaan gatii qabeessaafi kabajamadha. Inni sanyi namaa kufeef gatata dhiyaatuuf qophiidha. “Ba’u 33:17-23; Isa 6:5) YHWHn saba isaa wajjin jiraachuu (a’u 17:7 10, Lew 9:23; fi lak 1:10f)fi ammalle galma isaa ta’uu agarsiisa

**3:24 “ayyana Waaqayyoon … qajeeloota ni ta’u”** kun yeroo darbe agarsiisa. Kun iddo ka’umsa wangeelaati – ulfina Waaqayyo isa qajeelumma kennu. (5:15-17; 6:23). Jechi Giriik “dhugomsuu” (dikaioo) hidduma (qajeelummaa”ti (dikaiosune) Waaqayyo hogganu dursa fudhata (Yoh 6:44,65).

Lakkoofsa 24-25 fayyina ibsuuf dubbin dalga sadi jira (1) “dhugomuu” jecha seeraa “adaba hin qabne” ykn akka yakkama hin taane labsu” (2) “lubbu furuu” kun gabaa garbaa “bitani deeffachu” ykn “luba baasuu” irraa (3) “gatii dafqa” toftaa aarsaafi iddo muudaati. Kunis qadaada gabatee kakuu iddootti dhiigni aarsaa gaafa muudaa kaa’amudha. (Lew 16: Ibr 9:5)

**MATADUREE ADDAA : RAGAAA Kakuu Haaraa FAYYINAAF**

Bu’urrisaa

1. Amala Abbaa (Yoh 3:16), hojii ilmaa (2Qor 5:21) hojii afuuraa (Rom 8:4-16), hojmaata nama miti, gatii abboomi kafalamu miti, amanti miti
2. Kennaadha (Rom 3:24; 6:23; Efs 2:5, 8-9)
3. Jireenya haarawaa, ilaalcha addunya haarawaa, Yaaqobiifi 1 Yohannis)
4. Beekkomsa (wangeela), walooma (amananafi Yesuusiin) fi mala jireenya haarawaa (fakkeenya Kiristoos afuuraan gaggeeffamu) sadeen malee tokkichi qofaa hin ta’u.

▣ **“Kennaa”** Phaawuloos yaada kana yeroo baayyee itti fayyadama.
1. Dorean, dabalgchima “tola”
2. Drea, maqaa “kenna tolaa”
3. Doron, maqaa “kenna /Efs 2:8)
4. Charisma maqaa “deebi tolaa” ykn “olmaa tolaa”
   (1:11; 5:15, 16; 6:23; 11:29; 12:6)
5. Charisomai, gochima “oolma tola mirkansu” (8:32)
6. Charis, maqaa, “oolmaa tolaa” ykn “kennaa tolaa”
   (4:4, 16; 11:5,6; Ef 2:5,8)

▣ **“Isa karaa furii Yesuus Kiristoos tola isaaniif kenname”** Toftaan fayyina keenyaa Yesuus isa du’aafi du’aa ka’uu bakka nu bu’e. Xiyyeen kitaaba Quqlulluu hangamtu kafalamee miti ykn eenyutti kafalame. (Augistoos) garuuu dhugumatti sanyiinnamaa yakka cubbuufi adaa jalaa karaa isa garranii bakka buufameen baraarameera.
(Yoh 1:29, 36, 2Qor 5:21; 1Phex 1:19)

Lakkoofsichi daanga (ma 3:15) agarsiisa. Yesuus abaarsicha baate (Gala 3:3) ni du’e (2Qor 5:21) bakka namoota cubbuun kufanii, fayyinni feetu tola, garuuu rakasa moo miti.

**MATADUREE ADDAA : GATII FURAA/ LUBBUU BITTAA**

I. KAKUU MOOFAA

A. Yaada kana kan agarsiisan jechoota Ibruu lamatu jira.

1. *Gaal,* jechun “furuu” gatii baasanii. Jechi go’el jedhumoo dabala yaada, nama jaarsumma, miseensa maatii kan ta’e (fira furaa) dha. Mirgi aadaa furmaa meeshaa, horii, lafa (Lew 25:24) ykn aantee (Ruth 4:15, Isa 29:22) tiyoolojiidhaan gara YHWH isa Israa’eloota Misir jalaa baaseet darba. (Ba’u 6:6; 15:13; Fr 74:2; 77; 15; Erm 31:11) Inni “lubbu furaa (Iyo 19:25; Far 19:14, 78:35; Fak 23:1; Isa 41:4; 43:14; 44:6, 24 47:4; 48:17; 49:7, 26; 54:5, 8: 59:20; 60:16; 63: 14: Erm 50:34)

2. *Padah*, jechuun “fayyisuu” ykn hiksisuu”

a. Lubbu bitaa isa duraa, Ba'u 13:13, 14 fi lak 18:15-17
b. Qaamaan furuuniifi afuuraan furamu wajjiin dorgoma. Far 49:7, 8, 15
c. YHWH "n saba Isra'eliin cubbuufi irra daddarbina ishe irraa ni fura. Ps. 130:7-8

B. Yaadni tiyooloojiisaa waan firoomi sadii qaba
1. Barbaad, hidhata, adaba, idhamtooatu jira
   a. qaamaan
   b. hawaasaan
   c. afuuraan (far 130:8)
2. gatiin bitisummaaf, hiikkaafi deebisani ijaaruuf kafalame
   a. sabaaf, Israa'el (Deb 7:8)
   b. Matayaaf (Iyo 19:25-27; 33:28)
3. Namni tokko akka jaarsaattiifi giddudeemtu ta'u qaba Go'al ti miseensa maatiiti ykn aante (Sun go'el)
4. YHWH akka maatoomati of ibse.
   a. abbaa
   b. dhirsa
   c. aantee

Furamni kan dhugoomu karaa YHWH ti gatiin bahee, furamnis argame!

II. Kakuu Moofaa
A. Yaada tiyoolojii kana ibsuuf jechoonni heddu ni jiru
1. *Agorazo* ( 1Qor 6:20; 7:23; 2Phex 2:1; Mul 5:9 14:34) kun jecha daldalaa gatii waan tokkoof kaffalame agarsiisa. Nuyi saba dhiigaan bitamnedha. Jireenya keenyallee abbo,achu hin dandeenyu. Nuyi kan Kiristoosi.
2. *Exagorazo* (Gal 3:13; 4:5; Efs 5:16; Qor 4:5) kunis jecha daldala keessatti. Du'a bikka bu'ummaa Yesuus agarsiisa. Yesuus abaarsa hojumaata seera (seera Muusee), namoonni cubbamoon hin goolabne baate. Abaarsa keenya (Deb 21:23) nuuf baate. Karaa Kiristoos, dhugaafi jaalalli Waaqayyo gara guutuu dhiifamaa, fudhatamaafi carraatti guddate.
3. *Luo*, "walaboomsuu"
   a. *Lutron* "gatiin itti kaffalame (Mat 20:28; Marq 10:45) Isaan kun jechoota humnifa afaan Yesuusiin waa'ee dhufa isaatii gatii cubbuu baasuun addunyaa fayyisuu akka dhufe (Yoh 1:29) dubbatamedha.
   b. *Lutroo* "furuu"
      (1). Israa'eliin furuuf (Luq 24:21)
      (2). Saba furuufi dhiquuf of kennuu isaa Tit 2:14
      (3). Bakka bu'aa cubbu hin qabne 1Phex 1:18-19
   c. *Lultrosis* "Furaa, fayyisaafi bilisa baasaa"
      (1). raajii Zakaariyaas, dhufaatii Yesuus, Luk 1:68
      (2). Kadhaa Hanna Waaqayyotti Yesuusiif goote Luq 2:38
      (3). gaarumma Yesuus, aarsaa takka laatame Ibr 9:12
4. *Apolytrosis*
   a. Furmaa dhufaatii lammaa (HoE 3:19-21)
      (1). Luq 21:28
      (2). Roomaa 8:23
      (3). Efeesoon 1:14; 4:30
      (4). Ibroota 9:15
   b. Furmaa du'a Kiristoos
      (1). Roomaa 3:24
      (2). 1Qoronxoos 1:30
      (3). Efeesoniya 1:7
      (4). Qolaasiyaas 1:14
5. *Antilytron* (1Xim 2:6) kun akkuma (Tit 2:14) barruu murteessaadha. Isa furamuu du'a bakka bu'ammaa fannoo irratti Yesuusiin ta'eef guduunfaadha. Inni tokkicha fii fudhatama aarsaa hundaaf du'e. (Yoh 1:29, 3:16-17; 4:42; 1Xim 2:4; 4:10; Tit 2:11; 2Phex 3:9; 1Yoh 2:2; 4:14)

B. Yaadni tiyooloojii Kakuu Haaraa keessaa

1. Sanyiin namaa cubbuuf gabRoomaa ra. (Yoh 8:34; Rom 3:10-18, 6:23)
2. Hidhatni sanyiin namaa cubbutti qabu Kakuu Moofaa keessati seera Muusee (Gal 3) fi lallaa Yesuus tullu irratti (Mat 5-7) godhe muldhae. Hojimaatni namaa du'a fide (Gal 2:14)
3. Yesuus, inni cubbu hinqabne hoolichi Waaqayyoo, bakka keenya dhufee, du'e (Yoh 1:29; 2Qor 5:21). Cubbuu jalaa waan huyi bitaneef Waaqayyoon tajaajilla (Rom 6)
4. Garagaalchaan YHWH fi Yesuus "aantee" dha, bakka keenya hojjetu. Kunis maatummaan itti fufa (Aba, dhirsa, ilma, obboleessa, aantee)
5. Furmaanni gatii seexaanaaf kaffalame miti (tiyoolojii bara giddu gala) garuuu karaa araarri sagalee Waaqayyoofi dhugeessa Waaqayyoo, jaalala Waaqayyoofi Kiristoosin dabarse kennunidha. Fannicha irratti nageenyi debi'e, ganiinsi sanyi namaa dhiifame, fakkeenya Waaqayyo ilmaan namootaa irratti hojiitti waan debi'eef waloomni debiteeti.
6. Ammalle, garfuldura furamni jiru (Rom 8:23, Efs 1:14; 4:30) qaama du'aa ka'uufi Waaqayyotti dhiyaachutu jira.

**3:25**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"Waaqayyo isa dhaabe"** |
| **NAJV** | **"Waaqayyo isa dabars"** |
| **KQSHH** | **"Waaqayyo isa muldhise"** |
| **TIV** | **"Waaqayyo late"** |
| **KQJ** | **"Isa Waaqayyoon dibame"** |

Kun yeroo giddu galeessaa(aorist middle indicative) kan agarsiisudha (aorist middle indicative). Jechuunis Waaqayyo fedha garaa isaafi akeeka isaa karaa du'a Kiristoos (Efs 1:9) muldhiseera. Karoorri lubu oolchuu Waaqayyoo bara baraa aarsaa Yesuusidha (Isa 53:10; Mul 13:8) yaadannoo 9:11 ilaali.

Jechi Giriikii endeiknumai (endeixis, 3:25,26) jedhu Roomaan keessatti (2:15; 9:17,24; LXX Ba'u 9:16) yeroo heddu itti fayyadameera. Hiikkaan isaa inni ijoo hojjechuu ykn agarsiisudha. Waaqayyo akka namoonni akeeka furumsaa, karooraafi qajeelummaa isaa hubatan barbaada. Yaadni kunis ilaalcha addunyaa kitaaa Qulqulluu lafa ka'aa.

1. Waa'ee amala Waaqayyoo
2. Waa'ee hojii Kiristoos
3. Waa'ee fedha namoomaa
4. Waa'ee akeeka furamsaa

Waaqayyo akka hubannoo qabaannu barbaada! Yaadni kun hubanno Kiristaanummaa sirriif murteessadha. Jechonni tokko tokko walxaxaa ykn hikka heddu qaban, gara waraansi guutumma ifaafi qajeelaadha. Yaadni kun bakkalcha tiyoolojii Kakuu Haaraati.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"dhiiga isaa dhangalaasee"** |
| **KJHH** | **"dhiiga isaatiin gatii baafame"** |
| **KQSHH** | **"dhiiga isaatiin aarsaa muudaa"** |
| **TIV** | **" dhiiga isaatiin karaa cubbuun namaa dhiifamu ta'e"** |
| **KQJ** | **"araara injifachuuf lubbuu isaa aarsaa godhe."** |

Bara Giriikoo-Roomaa jechi kun yaada walooma deebisanii michoomfachuu, gatii kaffaluun, garuuu bifa Septuagint miti. Kaniin fayyadaa tures Septuaint fi 1br 9:5 keessatti yoo ta'u hiikkaansaas "taa'umsa ulfina" isa qadaada gaatee kakuu ido qulqulluu qulqullaa'aa, iddoo muudaa itti muudamu gaafa muudamaa (Lew 16)

Jechii kun yoo hojiirra oolu bifa cubu dhiinsuu Waaqayyoo hin xiqqeessinen, garuuu gaarumma inni cubbamtoota qabuu mirkanneessa. Mariin gaarii kitaaba James Stewar:- Aman in Crist, ful 214-224 keessati argama. Karaan itti waan kana xumuran tokko jechicha hiikun hojii Waaqayyo kiristoos keessaan "aarsaa gatii guddaa baafameera" ykn "human gatii qabeessa"

"Dhiiga isaatiin" jechuun Ibrootaan aarsaa bakka bu'ummaan ta'e garraamii hoolicha Waaqayyo agarsiisuuf (Yoh 1:29) dhati yaada kana guutummatti hubachuuf Law 1-7 fi guyyaan muudaa boqonnaa 16

murteessaadha. Dhiigni jireenya cubbu malessa yakkamtooa bakka buufamee kenname agarsiisa (Isa 52:13-53:12)

▣ **"Karaa amantii"** Ammas asitti (1:17; 3:22, 25, 26, 27, 28, 30) kun toftaa faayidaa eenyuufu karaa du'a bakka bu'ummaa Yesuus jirudha.

Guutoon kun barreeffama durii keessaa hambifamera. Isa jaarraa 5$^{th}$ (Barruu Giriik Chrisostoomin fayyadamu) fi isa jaarraa 12 MS (2127) ti. Barreeffama Giriik duri hunda keessatti makamera. Gariin "amantii" wajjin waan duraan galu qabu gariin hin qaban, kun hiikkaasaa hin jijjiiru. YBS makama isa hanga B (shakki wajjin) taasisa.

▣ **"qajeelaa akka ta'e muldhisudha"** Waaqayyo amala isaafi sagalee isaaf dhugeessadha (Mat 3:6) Bara Kakuu Moofaa lubuun cubbu qabdu ni duuti. (Ezq 18:4,20) Waaqayyo akka jedhetti yakkama bilisa hin baasu (Ba'u 23:7) jaalalli Waaqayyoo namoota kufaniif qabu guddaadha; odoo nama ta'ee, seera guuteefi bakka namooma kufee du'ee ni jaallata. Jaalalliifi haqxi Yesuus irratti wagaye. (lak 26)

▣

**KQSAH, KJHH**
**KQSHH "lubbuu namoonni dur hojjetan irra darbee"**
**TIV "dur obsaan cubbuu namoota irra ilaaleef"**
**NKQJ "yeroo dur, lubbuun adaba malee dabarti."**

Jechi "irra darbee" jedhu paresis as Kakuu Haaraa keessati malee Septuagint keessatti miti. Abaatu Giriikiifi Jeroom gara hiikka barreeffama Giriikitti geesani "dhiifama liqaa" (Moulton fi Milliqan ful 493) godhan. Haa tauti \, Pare\iemi, goochima inni irraa dhufe jechuun "bira darbuu" ykn "gadhiisii" (Luq 11:42)dha.

Kanaaf gaaffiin jiru Waaqayyo cubbuuf dhiifama kan gochaa ture hojii Kiristoos fulduaa ilaaleeti moo ykn du'a Kiristoostu rakkoo cubbuu hiiku beekeeti? Deebiin walfakkaata cubu namootaa darbe, amma, fi dhufu aarsaa kiristoosiin hiikkame.

Kun hojii darbe ulfina Waaqayyoo gochaa Kiristoosiin fulduratti ilaaledha. (HoE 17:30, Rom 4:15: 5:13) akkasumas gocha ammaafi fulduraa (lak 26) Waaqayyo cubbuu xiqqeesse fudhate hin beeku hin fudhatu; garuuu aarsaa Yesuus akka furmaa guutuu fi isa xumuraa ta'e gantumaa namaafi addaan cita waloomaa hiiketi fudhata.

**3:26** Jechi "qajeelummaa" lak 25 keessa jiru etimolojikaalaan jecha "sirrii" fi "dhugaabaasa" lak 26 fi firooma. Waaqayyo amalli isaa amantoota irratti karaa amantii kiristoosiin akka ta'u ni fedha. Yesuus qajeelaa keenya ta'e (2Qor 5:21) garuuu amantoonnis qajeelummaa isaan, fakkeenya isaan mirkansu qaban (Rom 8:29). Mataduree Adaa 1:17 ilaali.

**KQSAH (FOOYYA'E BARRUU 3:27-30**

**27 Egaa maaliin of jajna ree? Waan ittiin of jajnu tokkc illee hin qabnu, seera maaliitiin dhabna? Akka abboommi seeraatti hojjechuudhaanii? Waawuu, akka abboommii aman. tiitti jiraachuudhaan malee.28 Namni waan seerri abboomL hojjechuudhaan utuu hin ta' in, amanuu duwwaadhaar Waaqayyo duratti qajeelaa akka ta'u cimsinee ni barsiifna 29 Waaqayyo keenya Waaqayyo warra Yihudootaa duwwaa dha moo? Saba warra Yihudoota hin ta'iniifis Waaqayyo mitii ree'! Eyyee, inni saba warra Yihudoota hin ta'iniif immoo Waaqayyoo dha. 30 Waaqayyo tokkicha erga ta' ee, saba Y ihudootaa warra dhagna qabatan amantii isaaniitiin, saba warra kaan warra dhagna hin qabatinis amantiidhuma isaaniitiin qajeelota isaan ni godhata.**

**3:27 "Egaa maaliin of jajna ree?"** jiraachuun "of jaja" of tuulu yihudootaa (2:17,23) calaqisiise ta'a. Wangeelli of-gaddeebisuudha kunftuun sanyi namaa (yihudoonniifi Ormi) humaa ofii gochuulee hin dadna'an (Efs 2:8-9) mata dure addaa : of jaja 2:17 ilaali.

▣ **"Tokkolle hin qabnu"** Jechi kun (ek (ala)ti kleio (cufu) asiifi Gal 4:17 keessati fayyade. Jechins "cufu" dha.

▣ **"Akka abboomii amantiitti"** kakuun haarawaa Waaqayyo Erm 31:31-34 jiru hojii irrati osoo hin taane amantaa (amanannaa) amantii (pistis) irrati amalaafi abdisaa ulfinaani. Lameen kakuu Moofaafi haarawaan sanyi

namaa kufe gara amala (qajeelummaa) Waaqayyotti deebisudha. Moofaan seera alaan haarofti qalbii haarawaan (Hizq 36:26-27) galmi sanuma!

**3:28 "Waan seerri aboomu hojjechuudhaan utuu hin ta'iin amanuu duwwaadhaan"** kun dhimbiibaa

**3:21-26** fi dureegeree boqonnaa 4-8 (2Xim 1:9, Tit 3:5)ti.

Fayyinni keena tolaa karaa amantii Kiristoosin hojjetamee raawwaamee (3:24; 5:15, 17; 6:23; Efs 2:8-9)ti, Haa ta'uuti biKakuu Haaraainni "gatii baasisa" jireenya aboomii, tajaajilaafi waaqeffannaadha (Gal 5:6; Efs 2:10; Filp 2:12; fi Yaadanno 1:5 ilaali)

**3:29** Akeekni Waaqayyo yoo mara namoota fakkeenya isaan (Uma 1:26, 5:1; 9:6) tolfaman hunda furuudha. Abdiin furamsaa inni Uma 3:15 irraa kan hundaati. Abraahamiin filate akka inni moo addunyaa filatuuf (Uma 12:31; Ba'u 19:4-6, Yoh 3:16)

Lakkoofsi kun, akkuma 3:9, mudama waldaa Roomaa hoggantoota yihudoota amananii feetu sababa Nero, Roomaa gadhisanii bahaniifi gaggeessisoota Oromoota amananii, isaan sana bakka bu'an agarsiisa. Boqonnaan 9-11 muddamuma kana agarsiisa.

**3:30**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"Waaqayyo tokkicha"** |
| **KJHH** | **"eegi Waaqayyo tokko jiraatee"** |
| **KQSHH** | **"eegi Waaqayyo tokkicha ta'e"** |
| **TIV** | **"Waaqayyo tokko"** |
| **KQJ** | **"eegi Waaqayyo tokkichi qofti jiraatee"** |

Kun hima gita haalaa yeroo jalqabaati isa kallatti barreessichaan ykn akeeka barreeffamaaf dhugaadha jedhame tilmaama. Yoo Monoteyizim dhugaa ta'e, (Ba'u 8:10; 9:14; Deb 4:35, 39; 6:4; 1Sam 2:2, 2Sam 7:22:22:32; 1Mot 8:23; Far 86:8, 10; Isa 43:11; 44:6,8; 45:6-7, 14, 18, 21-22; 46:5,9: Erm 2:11; 5:7; 10:6; 16:20). Inni Waaqa saba hundaa ta'u qaba.

▣ **"warra dhaqna qabatan qajeelota ni godhata"** jechi Giriik "qajeelota" jedhu hidda "qajeelummaa" qaba. Mata duree addaa 1:17 ilaali) Waaqayyo wajjiin qajeeloo ta'uuf karaa tokko qofaatu jira (Rom 9:30-32) Waaqaan lameen fayyinaa amantiifi qalbi diddirannadha. (Marq 1:15; HoE 3:16, 19; 20:21. Yadanno 1:5 ilaali). Kun dhugaa yihudootaafi Giriikotaaf jirudha.

▣ **"amantiidhaan … amantiin"** walmaddinsa beekkamaatu gaalima lameen giddu jira. durgalee ek fi dia asitti walfakkeenya ibsu garaagaruummaan hin eegamu.

**3:31**

**[31]Egaa immoo amantii kanaan seera diigna jechuu dha moo ree? Waawuu, kun raawwatee ta'uu hin danda 'u, seera jabeessinee dhaabna malee.**

**3:31**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"Egaa moo amantii kanaan seera diigna jechudhaa ree?"** |
| **KJHH** | **"Egaa moo amantiidhaan seera kana gatii dhabsiifnaa?** |
| **KQSHH** | **"Amantiidhaan seera kana irra garagaallaaree"** |
| **TIV** | **"Amantiidhaan seera irraa hin garagaalla jechuudhaa** |
| **KQJ** | **"Amantiin seera bakka dhabsiisa jechuu keenyaa** |

Kakuu Haaraa isa Kakuu Moofaa bifa lamaan ibsa

1. In afuurame, mul'anni Waaqayyo kenne hin darbu (Mat 5:17-19; Rom 7:12,14,16)
2. Ni dulloome, ni darbes (1bar 8:13)

Phaawuloos jecha "duwweessuu" si'a digdami shan itti fayyadamera. Hiikkaan isaas "duwwaa gochuufi gatii dhabsisu", "human dhowu", fi "hojii dhorkdu"dha. Matadure addaa 3:3 ilaali Phaawuloosiif seerichi hidhaadha (Gal 3:23) fi barsiisaadha. (Gal 3:24) garuuu jireenya bara baraa hin kennu. (Gal 2:16, 19, 3:19)

Bu’uura balaaleffannaa namootaati (Gal 3:13, Qol 2:14). Seerri Muusee akka muldhataafi qormaata haamileet “akka mukkaa beekkomsaa gaariifi yaraati” tajaajia.

Waan Phaawuloos “Seera” jedhutti gonkuma dhabuutu jira

1. Hojii qajeelummaa yihudootaa
2. Waltajjii Ormoota amanani gara fayyina Kiristoositti ittin darban (yihudoota galaatiyaatti)
3. Waaltoma ittin namni hundi kufe (Rom 1:18-3:20; 7:7-25; Gal 3:1-29)

▣ **“Seera jabeessinee dhaabna malee”** Ifa gaalee duraan, Guutoon kun maal jechudha? Kaniinni agarsiisu.

1. Seerichi karaa fayyinaa otoo hin taanee qajeelcha haamilee itti fufinsaati
2. “qajeelummaa amantiin” isa jedhu qoree baasa (3:21; 4:3) (Uma 15:6; Far 32:1-2,10-11)
3. Dadhabinni seerichaa “gantummaan namaa, Rom 7, Gal 3 guutummaatti du’a Kiristoosiin, 8:3-4 bakka gahe.
4. Akeekni mul’ataa fakkeenya Waaqayyoo nama keessatti deebisanii dhaabuudha.

Seerichi, qorannoo qajeelummaan booda, qajeelcha qajeelummaa ykn fakkeenya kiristoosummaa ta’e. Mata duree addaa ilaalcha Phaawuloos seera Muuseef qabu” 13:9 ilaali.

Garagaalchi rifaasisaan seerichi qajeelummaa Waaqayyo dhaabuuf hanqate, garuuu karaa duwwoomsu, kenna Waaqayyo ulfinaan karaa amantiin, kiristaanonni jireenya qajeelaa jireenya Waaqayyo jiraatu. Serichi galma kan ga’e hojii namaan odoo hin taanee, tola Waaqayyoo Kiristosi kenneeni malee, “Dhaabuu”dhaaf mata duree adda”. “dhaabii” 5:2 ilaali.

**GAAFFIILEE MARIIDHAA**

Kun ibsituu qajeelcha qo’annooti. Kanaaf hiikkaa keef kitaaba qulqulluuf ittigaafatamoodha. Tokkoon tokkoon keenya ifa qabnu keessa socho’u qabana. Ati, kitaabni qulqullu kee fi afuurri quqlulluu hiikkaa keessati dursitoota. Ibsaa wajjin walitti laaquu hin qabdu.

Gaaffileen marii kun dhimmoota gurguddoo kutaa kitaaba kanaa irrati akka xiyyeeffattu sigargaaruuf kan qophaa’edha. Isaanis ilaalcha dadammaqsuu malee isu kan barbaadan miti.

1. Roomaa 3:21-31 jecha mataa keen dhimbiibi.
2. Maaliif Waaqayyo cubbuu namoota kan duriif irra darbeefii? Lak 25?
3. Amantoonni Kakuu Moofaa akkamitti cubbuu isaaniitti fayyani (3:25)?
4. Akkamitti amantiin karaa Iyyasuus seera mirkansaa 3:31?

# ROOMAA 4

| HIRAMSA BUUFATAA HIIKKAA HAMMAYYAA | | | | |
|---|---|---|---|---|
| **YBS** | **KJHH** | **KQSHH** | **TIV** | **KQJ** |
| Fakkeenya Abraaham<br><br>4:1-12 | Abraaham amantiin dhugaa bahe<br><br>4:1-4<br><br>Daawit dhugaa wal fakkaatu argate<br><br>4:5-8<br><br>Dhaqna qabaa dura dhugaa bahe<br><br>4:9-12<br><br>Abdiin amantiin mirkanaahe<br><br>4:13-25 | Abraaham amantiin dhugaa bahe<br><br>4:1-8<br><br>4:9-12<br><br>Dhugaa hidda dhaloota Abraaham<br><br>4:13-15<br><br>4:16-25 | Fakkeenyumma Abraaham<br><br>4:1-8<br><br>4:9-12<br><br>4:13-15<br><br>4:16-25 | Abraaham amantiin dhugaa bahe<br><br>4:1-8<br><br>Dhaqna qabaa duraa dhugaa bahe<br><br>4:9-12<br><br>Abboommi seeraan dhugaan hin baahe<br>4:13-17<br><br>Amantii Abraaham fakkeenya kiristaanumma<br>4:18-25 |

**MARROO DUBBISAA SADII**

*FEDHA BARREESSAA KA'UMSAA SADARKAA BUUFATAATTII HORDOFUUN*

Kun ibsituu qajeelcha qo'annoo, kanaaf hiikkaa keetiif, kitaaba qulqulluu keetiif, ittigaafatamaadha. Tokkoon tokko keenyaa ifa qabnu keessaa socho'uu qabna. Ati, kitaabni qulqulluu keefi afuurri qulqulluu hiikkaa keessatti dursitoota. Ibsaa wajjiin walitti laaquu hin qabdu

Boqonnicha taa'umsa tokkoon dubbisi. Dhimma isaa addaan baafadhu. Hiramsa dubbii kee hiramsa hiikkaale shaman olitti ibsamanii jiraniin bira qabii ilaali. Buufanni afuurahun miti, garuuu fedha barreessaa ka'umsa hordofuuf furtuudha, sun moo ifa hiikkoti. Buufanni dhimma tokkofi tokko qofa qaba.

1. Buufata duraa
2. Buufata lammeessoo
3. Buufata sadeessoo
4. kkf

**Ilaa Qabiyyee**

A. Tiyooloojiin Phaawuloos rifaasisaan inni 3:21-31 keessatti barreeffame sanyii namaa kufe tola Waaqayyoon mirga argachuusaa, guutummatti seera Museen alatti, kan mirkaneessedha. Phaawuloosiis kun kalaqa akka hin taane mirkanfachu yaale (3:21b) Kakuu Moofaa irraa fakkeenya Abraahamiifi Daawit (lak 6-8) dhiyeessuun

B. Roomaan 4 fakkeenya seera Muusee Uma-Deb, keessaa baafameen doktiriina amantiin dhugaa bahuu yihudootaaf, barreeffama Muusee keessaa waraabuun ulfina tiyooloojii qaba, keessattu Abraahamiin hidhatee, isa akka abbaa yihudootaati ilaalamun. Daawit akka Masiih isa dhufuutti ilaallama ture (2Sam7). Muddamni Roomaa ture garee amantoota yihudootaafi amantoota Ormaa gidduu ture marii

haala kanaa ture.  Gaggeessitoonni kiristaanota yihudii Neroodhaan (isa safuu yihudootaa hunda balleesse) dhiibamanii Roomaa gadhiisanii bahani.  Yeruuma sana hoggantoota kiristaana Ormaan bakka bu'an.  Deebiin garee duraa sadarkaa gaggeessummaa irratti waldiddaa uume.

C. Roomaan 4 kan agarsiisu.  Sanyiin namaa kufe amantiifi qalbii diddirannaa Waaqayyoof godhuun walitti dhufeenya ifa afuuraan qabuun fayya (Uma 15:6; Rom 4:3) karaa hedduu kakkuu haarawaan (wangeelli) kakuu moofaa irraa (Erm 31:31-34, Hizq 36:22-38) garaagar miti.

D. Qulqullummaan karaa amantii akkanaa kun hundaafu banaadha; patriyaarchii ykn Israa'eloota qofaaf miti.  Asitti Phaawuloos dubbi tiyoolojii isa guddisuufi dagaagsuuf Abraahamitti qabate, isa Galaatiya 3 keessatti dursee eegale saniif.

Qo'annoo jechaafi Gaalee

**4:1-8**

[1]**Kana irratti waa'ee Abrahaam abbaa  sanyii keenyaa maal jenna ree? Waaqayyo duratti maal argate? 2 Abrahaam waan hojjeteen qajeelummaan utuu lakkaa'ameeraaf ta'ee, Waaqayyo duratti yoo ta'uu dhabaate iyyuu, kan ittiin ofjaju ni qabaata ture.3Caaffanni qulqullaa'aan waa'ee isaa maal jedha ree? "Abrahaam Waaqayyoon amanate, kunis qajeelummaatti lakkaa'ameef" jedha.4 Beenyaan nama hojjeteef baafamu, gatii argachuun isaafta'utti lakkaa'ama malee, akka kennaa tolaatti hin lakkaa'amu.**
**5 Namni akka seerri abboomutti hin hojjenne garuuu Waaqayyo irraa fagaachuu isaa beekee, Waaqayyo isa qajeelaa nama godhutti yoo amane, amantiin isaa qajeelummaatti ni lakkaa'amaaf.**
**6 Namni, waan seerichi abboomu utuma hin hojjetin Waaqayyo qajeelummaa lakkaa'uuf, gam**
**machuu akka qabu Daawit dubbateera, "Warri seera irra daddarbuun isaanii dhiifameef, warri cubbuun isaanii akka deebi'e hin argamne 7 godhameef haa gammadan! 8 Namni gooftichi cubbuu isaa itti hin lakkoofne  haa gammadu" jedhe.**

**4:1** "**Kana irratti waa'ee Abraaham abbaa sanyii keenya maal jennaree.**" Maqaa Abraaham jechuun "Abbaa saba baayyee' (lak 16-18) ti.  Maqaansa duraa Abraam jechuu "Abbaa ol qabamaa." Jechuudha.

Teeknikni barreeffama asitti fayyadame "tuqa dubbii dha.  (4:6; 6:1; 7:7; 8:31, 9:14,30)  Sababni inni Abraaham fayyadameef (Uma 11:27-25:11) akka fakkeenyaatti (1) yihudoonni hojii galataa sanyiisaanii keessatti ni jaalata (Mat 3:9; Yoh 8:33, 37,39 (2) amantiinsaa seera Muuseef kenname waan dursuuf (Ba'u 19-20) ykn (4) inni barsiisota sobaan wana fayyadameef (yihudootaafi Galaatiyaanota)

▣ "**fooni**" mataduree Addaa 1:3 ilaali

4:2  "**yoo**" kun haala hima gita duraati yookiin ingilifatti (first class conditional sentence). (A.T. Robertson, Word picture, Jil 4, ful. 350) kallatti barreessichaan ykn akeeka barreeffamaan dhugaadha jedhame tilmaamama.  Kun fakkeenya gaarii haala hima gita duraati ti sunimoo isuma dhugumaatti yoo deebinu soba ta'a.  Garuuu tiyoolojiif nu gargaara.  (lak 14)

▣ **"hojiin qajeelummaan"** kun faallaa qajeelummaa amantiin" kiristoos isa jedhuuti.  Fayyinni karaa namootaa akkanaa kun (4:4) yoo danda'ame, hojii Kiristoos gatiid habsiisaa.  Haa ta'uuti Kakuu Moofaa sanyiin namaa kufe akkan hojii kakuu Waaqayyoo hojjechuu dadhabe nu agarsiisa.  Knaafuu, Km abaarsa ta'e, murtiin du'a ta'e. (Gal 3:13; Qol 2:14)

Beektonni Macaafa Qulqulluu  Yihudootaa,  Abraaham seera Muusee dura jiraachu isaa ni beeku. Garuuu inni ni ta'a jedhe seericha beekuun akkan eege ni amanu (Lallaba 44:20)

▣ **"kan ittin of jaju ni qabaata ture."** Qabiyyeen kun barreeffama Phaawuloos keessatti muldhataa ture." Dhugdubbeensa akka Fariisonni rakkoo kanaaf itti murteessani (3:27; 1Qor 1:29; Efs 2:8-9) mataduree addaa:  of jajuu 2:17 ilaali.

**4:3**
**KQSAH, KJHH**
**KQSHH, TIV  "Abraaham Waaqayyoon amane"**
**KQJ  "Abraaham amantiisaa Waaqayyorra godhate"**

Kun waraabbii Uma. 15:6 irraa waraabame. Phaawuloos boqonnaa kana keessatti si'a sadii (4:3, 9, 22) fayydame. Kunis hubannoo fayyinaa tiyoolojii Phaawuloos keessatti garraamummaa, doggogor maleeyummaa, ykn amanamoomuu, kunis ittin ibsa Waaqayyo malee keenya miti. Innis jecha Ibrootaa (emun, emunah) jedhu hiikkaansaas "dhaabbi ykn ejjenno tolu" jechudha. Amantiin fayyina tuutaa sammuu (tuuta dhugaa) aarsaa fedhinnaa (murtii) jireenya haamilee (mala jireenyaa) fi walitti dhufeenyaa (ani haa dhufuu namootaati).

Amantiin Abraaham masiih fulduraa irratti miti, garuuu abdii Waaqayyoon ijoolleefi sanyii akka godhatu (Uma 12:2; 15:2-5; 17:4-8; 18:14). Abraaham waan kanaaf Waaqayyoon amanee deebii kenna. Waa'ee abdii kennameef ammallee Abakkiifi rakkina qaba ture, dhugoomufis waggaa ammallee Waaqayyoon fudhatameera. Waaqayyo sanyi namaa dadhabaa warra isaafi abdii isaatti amantiin deebisan, utuu amantiinsaanii hanga ija sanaafica (Mat 17:20) taateeyyuu wajjiin hojjechuufi fedha qaba.

**4:3, 4, 5, 6, 8, 9, 10, 11, 23, 24**
**KQSAH, KQSHH "isaaf herregame"**
**KJHH "isaaf lakkaawame"**
**TIV "Waaqayyo fudhateef"**
**KQJ "amantii kun ni ilaalame"**

"…f" kan agarsiiftu amantii Abraahamiifi abdii Waaqayyooti "herregame" (logizomia) jecha lakkoofsaafi hikkaanis "kaa'ame ykn herrega tokkotti kuufame" (LXX Uma 15:6; Lew 7:18; 17:4) jechudha dhugaan kun bareedee 2Qor 5:21 fi Gal 3:6 keessatti ibsameera. Phaawuloos Uma 15:6 fi Far 32:2 sababnisaas lameenu jecha "herregame" jedhutti hermenetiksi barsiisotaan fayyadamaniidha.

Kakuu Moofaa jecha kana septuaginf fayyadama jecha hojjeettoota baanki miti Dan 7:10; 12:1, Kitaabonni dubbi dalgaa lameen kun (yaadanno Waaqayyoo)

1. Kitaaba hojii ykn yaadannoo
   (Far 56:8, 139:16; Isa 65:6 ; Mal 3:16; Mul 20:12-13
2. Kitaaba jireenya (Ba'u 32:32; Far 69:28; Isa 4:3; Dan 12:1 Luq 10:20; Filp 4:3; Ibr 12:23; Mul 3:5; 13:8; 17:8; 20:15; 21:27)

Kitaabni kun amantiin Abraaham Waaqayyo biratti akka qajeelummaatti lakkaa'eef "kitaaba jireenyaa" jedhama.

**4:3, 5, 6, 9, 10, 11, 13, 22, 25 "akka qajeelummaatti"** kun Kakuu Moofaa keessatti jecha " Safartuu" (tsadak) ta'e muldhateera. Jecha ijaarsa ta'e amala Waaqayyoo agarsiisuudhaaf ooleera. Waaqayyo sirridha namoonni hundi yakkamaadha. Kakuu Haaraa keessatti gita, miira seerummaa (qo'annoo) isa jireenya Waaqayyotti nama geessu ta'ee argama. Galmi Waaqayyo kiristaana hundaaf qabu, amala isaa ykn bifa biraan kiristoosin fakkaachuudha. (8:28-29, Gal 4:19) mata duree addaa 1:17 ilaali.

**4:5** keessi dubbi amantiidha. Waaqayyo isa otoo hojii namootaa irratti of hingatiin hanga dhumaatti of muldhiseef deebi kennudha. Kun jechuun nuyi takkaa fayyinaaniifi afuura cuubamnee jennaan malli jireenya keenyaa hin barbaachisu jechuu miti. Galmi kiristaanummaa du'an jannata dhaalu qofa miti, amma irraa qabee jireenya kiristoosii fakkaatu jiraachuus malee. Nuyi kan murtiitti dhiyaanne ykn hojii keenyaan dhugaa baanee mirga argachuuf fayyine miti, kan lubbuu bitamne hojii gaariifidha. (Efs 2:8-9 fi 10) Tomasfii 1 Yohannis) jireenyi jijjiirameefii jijjiiramaa jiru mallatto fayyinaati. Birmadoomuun eebbifamu.

▣ "Amantii" mataduree addaa gadii ilaali

**MATADUREE ADDAA : AMANTII (PISTIS (Maqaa) PISTEUO (gochimee)**
***PISTOS* (addeessa)**

A. Kun jecha barbaachiso kitaaba Quqlulluuti (Ibr 11:1,6) dhimma lallaba Kiristoos duraa ture. (Marq 1:15) ulaagaalee kakuu haarawaa jiru: qalbii diddirannaafi amantii (1:15; HoE 3:16, 19, 20:21)
B. Etimoloojii isaa
   1. Jechi "amantii" jedhu Kakuu Moofaa keessatti garraanummaa, amanamummaa, ykn amanama qabaachuufi umama Waaqayyoo ibsudha malee keenya miti
   2. Jecha Ibrootaa (emun, emunah) "mirkana ta'uu ykn dhaabbi godhachuu" jechudha. Amantii fayyinaa jechuun dhugaa sammuu (tuuta dhugaa), jireenya haamile (mala jireenyaa) fi jalqaba walitti dhufeenyaa (ana haa dhufuu) fi fedha aarsaa (murtii) naannichaati.
C. Ittifayyadamni Kakuu Moofaa
   Kan hubatamu qabu amantiin Abraaham Masiih isa fuula duraa irratti hin turre, garuuu abdii Waaqayyoon

dhalas dhaaltootaas argate (Uma 12:2; 15:2-5; 17:4-8; 18:14) Abraaham sagalee abdii kanaaf deebii kan kenne Waaqayyoon amanuudhaani. Inni ammallee shakkiifi rakkoolee waa'ee abdii kanaa ni qaba ture, isa dhugoomuuf waggaa kudha sadii itti fudhate kanaaf. Amantiisa hirdhu, haa ta'uti, Waaqayyoon fudhatameera Waaqayyo ilmaan namootaa dadhaboo gara isaafi abdii isaa ilaallanii, amantii hanga ija sanaaficaa taatu (Mat 17:20) wajjiin hojjechuuf fedha qaba.

D. Itti fayyadama Kakuu Haaraa

Jechi amantii jedhu jecha Giriik (pisteuo) jedhu irraa kan argame yoo ta'u "amantii" "amanamaa" ykn "amanama" fi hiikkama. Fkn maqaan kun wangeela Yohaannis keessatti hin muldhanne, garuuu gochiman tajaajileera. Yohaannis 2:23-25 keessatti quqlullummaan saba Yesuus isa Naazireet masiicha marsee ture hin shakkisiisa. Fkn Birooon fakkeessa jecha "amantii" jedhu kanaa Yoh 8:31-59 fi HoE 8:13, 18-24 keessa jira Amanti dhugaan kitaaba qulqulluu deebii duraa caala. Adeemsa duuka buutummaan hordofamu qaba.
(Mat 13:20-22, 31-31)

E. Faayidaa durgaala

1. *eis* jechun "gar" ijaarsi addaa kun amantoonni waan amantii/amanannaa isaanii Yesuus irratti gatuu agarsiisa
   a. gara maqaa Isaa (Yoh 1:12; 2:23; 3:18; 1Yoh 5:13)
   b. gara Isaa (Yoh 2:11; 3:15, 18; 4:39; 6:40; 7:5, 31, 39, 48; 8:30; 9:36; 10:42; 11:45; 48; 17:37, 42; Mat 18:6; HoE 10:43; Filp 1:29; 1phex 1:8)
   c. gara koo (Yoh 6:35; 7:38; 11:25, 26; 12:44, 46; 14:1, 12; 16:9; 17:20)
   d. gara ilmaati (Yoh 3:36; 9:35; 1Yoh 5:10)
   e. gara Yesuus (Yoh 12:11; HoE 19:4; Gal 2:16)
   f. gara ifaati (Yoh 12:36)
   g. gara Waaqayyooti (Yoh 14:1)
2. *en* jechuun "keessa" akka Yohaannis 3:15, Marq 1:15; HoE 5:14
3. *Epi* jechuun "keessa" ykn irra akka Mat 27:42, HoE 9:42; 11:17; 16:31; 22:19; Rom 4:5, 24; 9:33; 10:11; 1Xim 1:16; 1Phex 2:6)
4. Durgalee hin qabu Gal 3:6; HoE 18:8; 27:25; 1Yoh 3:23 5:10
5. hoti jechuun "amantii" waan itti amanan qaibyye kna laatu
   a. Yesuus qulqullu tokkicha Waaqayyooti. (Yoh 6:69)
   b. Yesuus isa ana dhaa dha (Yoh 8:24)
   c. Yesuus Abbaa keessaafi Abbaan isa keessadha (Yoh 10:38)
   d. Yesuus masiihidha (Yoh 11:27; 20:31)
   e. Yesuus ilma Waaqayyooti (Yoh 11:27, 20:31)
   f. Yesuus Abbaadhaan ergame ( Yon 11:42; 17:8, 21)
   g. Yesuus isa tokkicha Abbaa wajjiiniiti (Yoh 14:10-11)
   h. Yesuus Abbaa irraa dhufe (Yoh 16:27, 30)
   i. Yesuus maqaa kakuu abbaati anadha jedhee of beeksise (Yoh 8:24, 13:19)
   j. Isa wajjiin jiraanna (Rom 6:8)
   k. Yesuus du'ee deebi'ee ka'e (1Tas 4:14)

▣

**KQSAH, NRJV "amantii isaa"**
**KQSHH "amantii akkasii"**
**TIV, NKQJ " amantii kana"**

Amantiin Abraaham akka qajeelummaatti lakka'ameefi. Kun gocha Abraaham irratti hin hirkatu, garuuu amala isaa irratti jechi "herreegu" jedhu Finihaas LXX of Far 106:31 isa lack 25:11-13 fayyadama. Akka kanatti herreguun gocha Finihaas irratti hundoofti malee kan Abraaham wajjiin miti (Uma 15:6)

▣ **"Waaqayyo isa qajeelaa nama godhutti yoo amane, amantiin isaa qajeelummaatti ni lakka'amaaf"** kun walmaddinsa beekkamaa gara Abraahamii lak 3ti (Uma 15:6) Qajeelumaan kenna Waaqayyooti malee bu'aa hojii namootaa miti. Mataduree addaa 1:17 ilaali.

▣ **"Daawit"** akkuma Abraaham nama guutuu hin turre. Garuuu amantiin Waaqayyo wajjiin sirrii ture; akkanuma Daawit cubbu qaba ture. (Far 32 fi 51). Waaqayyoo namoota kufan (Uma 3) wajjin ni jaallata, ni hojjeta, isaan amantii isarraa qabaniin (Kakuu Moofaa) fi ilma isaa irraas (Kakuu Haaraa)

**4:6 "waan seerichi abboomu utuma hin hojjetiin"** Phaawuloos gaalee kana xiyyeeffanno itti kennee waraabbi Kakuu Moofaa (Far 32:1-2) jiru utuu hin waraabin dura galcha. Namni Waaqayyoon sirriidha ulfina isaa karaa Kiristoosiin, karaa amantii dhuunfaan argamuun, malee gocha amantiisaaniin miti.

**4:7-8** Kun Far 32:1-2ti kan waraabame. Lameen gochimaa lak 7 "isaanii dhiifame" fi "isaani darbame" (Inglifatti jedhan aorist passive) Waaqayyo yaada dhiyeessadha. Lakkoofsi 8 faallaa dacha jabaa qaba. "hin ta'u, haala kamiinu," kun dabalata, bilisa baastoota cubbuuti.

**4:7 "warra irra daddarbaan isaanii dhiifameef"** kun waraabbi Far 32:1ti Yaadni "dhiifama" kun aadaa aarsaa Israa'eloota keessatti waalfaadha. Dhiisuu cubbuu Waaqayyootiin, ijasaa duraa fageesse (Browun, Diraayiver, Briggs, ful 491) Yaadumti kun, jecha Ibrootaa Biroo "dhiifama" (caphar) guyyaa jila muudaa (dibata) tajaajila iddotti dhiigni "taa'umsa araaraa" godhamee cubbu Israa'elootaa haqu. Jechi firooma kanaa kitaaba qulqulludha laguu ykn balleessudha.

**4:8 "warri cubbuun isaanii akka deebi'ee hin argamne godhameef haa gammadani"** kun waraabbi Far 32:2 ti Jechi "herregu" "buusuu" ykn "herrega Birooora kuusuu" jedhu miira faallomeen tajaajila. Waaqayyo herrega baankii amantoota keessa cubbuu hin buusu. (double negative) Inni qajeelummaa buusa kun amala Waaqayyoo simboo qabeessaati. Kennaafi afaanneffano malee qabeenya, argata ykn eebba namootaa miti.

**4:9-12**
[9]**Nuyi, "Amantiin Abrahaamiif qajeelummaatti lakkaa'ame" jenna'o, gammachuun kun warruma dhagna qabatan duwwaadhaaf moo yookiis warra dhagna hin qabatiniifis inta'a ree?10 Egaa attamitti lakkaa'ameef? Erga inni dhagna qabatee moo yookiis utuu inni dhagna hin qabatin? Erga inni dhagna qabate miti, utuu inni dhagna hin qabatin lakkaa'ameef malee.11 Abrahaam utuu dhagna hin qabatin qajeelummaa amantiidhaan argatee, isa argate kana cimsuudhaafis dhagna qabaa akka milikkitaatti fudhate; karaa kanaan warra utuu hagna hin qabatin amanan hundumaaf qajeelummaan akka lakkaa'amuuf abbaa isaanii ta'e.12 lnni warra dhagna qabataniifis abbaa ta'eera, isaan keessaa iyyuu warra dhagna qabaa duwwaa utuu hin ta'in, warra karaa amantii isa abbaan keenya Abrahaam utuu dhagna hin qabatin irra adeeme irra faana isaa duukaa bu'aniifis abbaa ta'e.**

**4:9-12** Phaawuloos feetu kan inni waa'ee dhaqna qabaa kana itti dabale Yihudoonni barbaachisummaa fayyinaa keessatti dhaqna qabaa irratti waan xiyyeeffataniif (kitaaba Galaatiyaafi hojii ergamoota gumii Yeruusaale 15)

Phaawloos, barsiisummaan leenjii waan qabuuf, Uma 15:6 fi Far 32:2 keessatti gochimni walfakkaataa (lameen Ibrootaafi Giriikoota ) mul'atu ni beeka. Kun dubbisicha akeeka tiyoolojiif gamtoomsu danda'a.

**4:9** Gaaffiin lak 9 deebi "homaa" eega Waaqayyo nama hunda, Ormoota dabale, amantiidhaan fudhateera. Seerri uumaa 15:6 deebi'ee waraabbame. Abraaham, Abbaan saba yihudi, utuu dhaqna hin qabatiin qajeelummaan herregame.

**4:10-11** "**dhaqna qabaa akka milikkita qajeelummaa amantii**" Abraaham eegi yaamamee, qajeelumaan herregame booda dhaqna qabaa akka mallattoo kakuuti kenneef. (Uma 17:9-14) ummanni durii sun gara bahaattid hihaatan Filisxeemoota hidda Giriiki, Aagiiyan ta'an malee hundi dhaqna qabataniiru.

Isaaniif dhaqna qabaan duudhaa true, ijoollumma irraa gara dargaggummaa ittin cehan. Jireenya yihudootaafi mallattoo amantii kakuu miseensummaa warra dhinaa dhalate gaafa guyyaa saddeeti godhamudha.

Lakkoofsa kana keessatti "mallattoo" fi "chaappaa"n cinaayina, amantii Abraaham agarsiisu. dhaqna qabaan mallatto mul'ataa ittin amantii Waaqayyoo shakalamudha. Sanyii gaalee "qajeelummaa amantii" jedhu lak 13 keessatti irra deebi'ame. Waaqayyo qulqulluu wajjiin qajeelaa ta'uuf furtuun dhaqna qabaa miti, amantidha.

**4:11 "Warra utuu dhaqna hin qabatiin amanan hundumaaf qajeelummaan akka lakkaa'amuuf abbaa isaanii ta'a"** kitaabni Roomaa, kitaabaa Galaatiyaa booda barreeffame.

Phaawuloos jiga amantii Yihudootaa irratti miirama qaba. (1) hidda dhalootasaanii (2) Mat 3:9, Yoh 8:33, 37, 39, fi (2) hiikkaa kakuu Muusee (afoola ykn isa sheekko jaarsoloo ta'e booda Taalmuud jedhame barreeffame) yihudoonni dhiyeenyatti godhaa jiran irrattidha.. Kanaafu, Abraahamiin akka kallatti amantoota hundaatti (abbaa warraa dhaqna hin qabannee Gal 3:29) godhee fudhachu barbaada.

▣ **"Chaappaa"** mataduree addaa aanee jiru ilaali

**MATADUREE ADDAA : CHAAPPAA**

Chaappaan Waaqayyo Muldhata 9:4 fi 14:1 fi Feetu 22:4 irratti agarsiifameera. Chaappaan seeyxaanaa 13:16; 14:9 fi 20:4 irratti tuqameera. Chaappaan karaa ittin agarsiisan

1. dhugaa (Yoh 3:33)
2. abbummaa (Yoh 6:27, 2Xim 2:19; Mul 7:2-3
3. Nageenya ykn eegganno (Uma 4:15; Mat 27:66; Rom 15:28; 2Qor 1:22; Efs 1:13; 4:30)
4. feetu mallattoo dhugoma abdii Waaqayyoo kennaa

Akeekni chaappaa kanaa saba Waaqayyo adda baasuufi dheekkamsi Waaqayyo akka isaan hin mine gochuufidha. Chaappaan seeyxaanaas sababni isaa, meeshaa dheekkamsa Waaqayyoo, adda baasudha. Muldhata keessatti " gidiraa" (i.e thiipsis) qoramu amantootaa warra amanii hin qabneenidha, wayita dheekkamsi) aarii (i.e arge ykn thumos) murtii Waaqayyo warra amantii maleeyyi irratti fudhatu yoo ta'u isaanis qalbii diddirachu gara amantii kiristoositti deebi'uudha. Akeekni murtii inni gaariin abaarsa/eebba kakuu irratti muldhata Deb 27-28.

Guutoo "Waaqa jiraataa" jedhu tapha YHWH irraati. (Ba'u 3:14, Far 42:2; 84:2; Mat 16:16) Jechumti kun kakuu kitaaba qulqulluu "akka Waaqayyoo jiraataa" keessatti argama.

**4:12 "Faana isaa duukaa bu'aniifis"** kun jecha waraanaati (stoicheo) loltoota toora galanii yaa'aniif (HoE 21:24; Gal 5:25; 6:16; Filp 3:16) Phaawuloos lak kanaan waa'ee yihudoota "abbaa dhaqna qaba" amanan dubbata. Abraaham abbaa hundaati, warra amantii Waaqayyoo fi abdii isaa shakalaniif.

Sababa maqdhala lamaan (tios) kallattiin lammataa kun yaada fayyinni walitti dhufeenya deemaa jiru, malee murtii ykn filannoo miti.

**4:13-15**

**13 Abdiin Abrahaamiif yookiis sanyii isaatiif kenname, biyya lafaa akka dhaaluuf; kunis Abrahaam seera waan eegeef utuu hin ta'in, amantiidhaan qajeelummaa waan argateef isaaf kenname. 14 Namoonni seericha eeguudhaan dhaala sana argatu yoo ta'e, amantiin namaa akkasumaan, abdiin Waaqayyoos gatii malee ni hafa.15 Seerri dheekkam isa Waaqayyoo ni fida, garuuu utuu seerri hin jiru ta'ee, seera irra darbuunis hin jiru ture.**

**4:13 "Abdiin Abrahaamiif yookis sanyii isaatiif kenname"** Waaqayyoo abdii "lafaafi sanyii" Abrahaamiif tolche (Uma 12:1-3; 15:1-6; 17:1-8; 22:17-18). Kakuu Moofaa lafarratti xiyyeeffata. (Filisxeem) garuuu Kakuu Haaraa "sanyii" irratti xiyyeefata (Yesuus masiihi Gala 3:16, 19) garuuu asitti sanyiin saba amanii (Gal 3:29) agarsiisa. Abdiin Waaqayyoo bu'uura amantii amantoota hundaati. (Gal 3:14, 17, 18, 19, 21, 22, 29; 4:28; Ibr 5:13-18)

▣ **"biyya lafaa akka dhaaltuu"** Dubbiin duuniyaa kun ifa seera uumaa 12:3, 18:18; 22:18 fi Ba'u 19:5-6ti baayyeetti ijoodha. Waaqayyoo hogguu Abrahaamiin waamu sanyii namaa hunda yaame (Uma 1:26-27; 3:15). Abrahaamiifi horteen isaa ittiin muldhata addunyaa maraa ta'an. Kun moo karaa ittiin mootummaa Waaqayyoo biyya lafarraa kan Biroo agarsiifamu ta'e. (Mat 6:10)

▣ **"seera waan eegeef utuu hin ta'iin"** seerri Muusee hanga ammaa hin muldhanne. Guutoon kun dura barbaachisummaa isaa ibsuuf afaan Giriikiin barraaye. Qabxii kunis baayyee isa barbaachisaa ta'e gargaagaruummaa yaalii namootaafi humna ulfina (3:21-31) giddu jiru agarsiise. Ulfinni seerichi akka karaa fayyinaa gonkuma (Ibr 8:4,13) ta'u godhe. Mataduree Addaa: yaada Phaawuloos seera Muusee irratti qabu 13:9 ilaali.

**4:14 "yoo"** kun (first class conditional sentence) ta'eet kallattii barreessichaan yoo akeeka barruudhaaf jecha akka dhugaa ta'e ni tilmaamama. Phaawuloos dubbii isaa loojikaan gochuuf kanaan eegale. Kun fakkeenyaa

gaarii yookiin (first class conditional sentence). haasa'a bareeda itti fayyadamedha. Dubbiin kun dhugaa ta'uu amaneeti odoo hin taanee faallaa ta'uu isaa agarsiisuufidha. (lak 2)

Yihudoonni mallatto mullata dhaqna qabaadhaan, dhaaltoota addunyaa ta'ani garuuu isaan amantii Waaqayyon fedhaafi sagaleen isaa shakalaan ni dhaalu. Dhaqna qabaan mallattoo dhugaa miti, amanti malee (2:28-29)

▣

**KQSAH, KJHH, "amantiin namaa akkasumaani"**
**KQSHH "amantiin homaadha"**
**TIV "amantiin namootaa homaa ta'a"**
**KQJ "amantiin iddoo dhabaa ta'a"**

Kun (perfect passive indicative) *keno*, yoo ta'u qubsama jabaa gochima Girikootatti xiyyeeffata sunis "duwwaa", "bu'uura malee ta'u agarsiisu", "sobsiisuu" jechudha. Jechumti kun Phaawuloosiin 1Qor 1:17; 9:15; 2Qor 9:3 fi Filp 2:7 keessatti fayyadameera.

▣

**KQSAH "Abdiin Waaqayyoo gatii malee hafa"**
**KJHH, "abdiichi tolfame gatii dhaba"**
**KQSHH "abdiichi akkasumaani"**
**TIV "abdiin Waaqayyo faayidaa dhaba"**
**KQJ "abdichi homaa ta'a"**

Kun (perfect passive indicative) yoo ta'u qubsama jabaa gochiam Giriikotaatti xiyyeeffata, sunis "dowwaa gochuu" "diiguu" "xumuratti fiduu" ykn "duguuguu ykn haxaawu" jechu ta'a. Jechuma kana Phaawuloos Rom 3:3, 31; 6:6; 7:2, 6; 1Qor 2:6; 13:8; 15:24, 26; 2Qor 3:7; Gal 5:4; 2Tas 2:8 keessatti fayyadameera. Lakkoofsa kna keessatti cinaayina beekamaatu jira. Gara fayyinaatti daandiin lama hin jiru. Kakuun haarawaa ulfinaa kakuu moofaa hojiidhaa akka gatii dhabaa ykn akkasumaan ta'u godhe. Mataduree addaa Gati dhabaa ykn akkasumaan 3:3 jiru ilaala.

**4:15 "seerri… seera**" Faayidaan jecha duraa maqmaxxan Giriik yoo ta'u lammanni miti. Gara maqmaxxan Giriikitti jiraachuufi dhabamuutti qalbii harkisuun balaa qabaatullee Phaawuloos jecha kana hima lama keessatti fayyadame. (1) seera Muusee afoola isaa wajjiin isa yihudoonni muraasni fayyinasaanii itti amananiifi (2) yaada seeraa waliigalaati.

▣ **"seerri dheekkamsa Waaqayyoo ni fida"** kun rifaasiisaadha (3:20; Gal 3:10-13; Qol 2:14) seerri Muusee gonkumaa karaa fayyinaati jechuu miti (Gal 3:23-29) kun dhugaa jabaa yihudoota hundaaf (ykn seertoota) hubachuufis ykn fudhachufis ture, garuuu Phaawuloosiif bu'uura dubbiisaa ta'eef mata duree addaa 13:9 ilaali.

▣ **"Garuuu utuu seerri hin jiru ta'ee seera irra darbuunis hin jiru ture."** Waaqayyo sanyi namaa ifa qabaniif ittigaafatamtoota godhee jira. Ormoonni seera Muusee hin dhagayiiniif hin yakkamani. Muldhata uumamaaf (1:19-20, 2:14-15) itti gaafatamtoota.

Asitti dhugaan kun haasa'a Phaawuloosiin fulduratti tarkaanfatee jira. Dur seerri Muusee Waaqayyoon sirritti muldhisa. Seera darbuu sanyi namaa itti hin lakkoofne (3:20, 25; 4:15; 5:13, 20; 7:5, 7-8; HoE 17:30; 1Qor 15:56)

**4:16-25**

[16]**Kanaafis abdichi ayyaana irraa kan ka'e, sanyii isaa hundumaafis kan eegamu akka ta'uuf amantii irra in dhaabate. Kunis warra seera eeguutti qabaman duwwaafutuu hin ta'in, warra akka Abrahaam amananiifis immoo ni eegama; Abrahaam abbaa hunduma keenyaa ti.17 Abdiin kun fuula Waaqayyoo dura jira, "Saba baay'eedhaaf abbaa akka taatuuf ani si dhaabeera" kan jedhu caafameera. Abrahaam immoo Waaqayyo isa warra du'an jiraachisu, isa waan hin jirre akka jiraatu godhutti amaneera.18 Abraha, akka yaada namaatti waan hin abdachiifne ni abda "Sanyiin kee akkas ni baay'ata" akkuma jedhames abba saba baay' ee akka ta'u amane.19 Inni, dhagni isaa aka du'e, nama waggaa dhibba guutuu ga'e ta'uu isaa, gadame(si Saaraas akka waan du'ee ta'uu isaa heduudhaan amantii hin laafne.20 Inni amantiitti jabaatee Waaqayyoof hooqubaa dhi'eesse malee, amanuu dhabuudhaan abdii Waaqay:kenneef hin dhabne. 21 Waaqayyo waan abdachiise gochudhaaf immoo akka danda'u inni guutummaatti hubateera 22 Kanaaf iyyuu, "Qajeelummaatti isaaf lakkaa'ame" jedhame.23 Inni "Isaaf lakkaa'ame" jedhu Abrahaam duwwaa haaf caafame miti. 24 Nuyi warra amannuufis immoo aka lakkaa'kamu caafameera, nuyis Waaqayyo isa gooftaa keenya Yesusin warra du' an keessaa kaasetti ni amanna.**
**25 Yesus irra-daddarbaa keenyaaf du'atti dabarfamee kenname; qajeelummaa akka argannuufis du' aa kaafame.**

**4:16** Kun dhimbiibaa bareedduu haasawa Phaawuloos lak 14ti (1) namoonni amantiin deebii kennu qabu (2) abdii ulfina Waaqayyotti (3) abdichi hortee Abrahaam hundatti mirkanaahu qaba (yihudiifi Ormatti) warra amantii shaakalaniifi (4) Abrahaam warra amantiin jiraniif daanga'a

▣ **"kan eeggame"** Mataduree addaa gadii ilaali

**MATADUREE ADDAA : KAN EEGGAME**
Jechi Giriikii babaios, hiikka Biroo sadii qaba
1. isa mirkana, gonkuma ykn irratti of gatan (Rom 4:16; 2Qor 1:7; Ibr 2:20; 3:6, 14; 6:19; 2Phex 1:10,19)
2. Adeemsa amanamoomni waan ta'ee itti muldhatu ykn hunda'u (Rom 15:8, Ibr 2:2, Louw fi Nida, Greek Inglish Lexicon of the New Tesfament Jil 1 ful 340, 377, 670)
3. Paapyrii keessatti jecha teekinikaa eegumsa seeraa ta'a (Moulton fi Milliigan, The vocabulary of the Greek New Tesfament, ful 107-8

Kun faallaa waan lak 14ti. Abdiin Waaqayyo mirkana.

▣ **"Hundumaais … hundumaa"** kun amantoota hundumaa (yihudootaa fi Ormoota) agarsiisa.
1:17-23 Phaawuloos deebisee Abrahaamiin fayyadame (1) Waaqayyo abdii ulfinaa (kakuu) kakaase fi (2) sanyii namaa amantii ka'umsaafi itti fufiinsa deebii amantii (kakuu) (yaadannoo 1:5) ilaali. Kakuun yoo mara gocha garee lamaa gaafata. 4:17 "Abbaa saba baayyee, kan jedhu caafeera." Kun Uma 17:5 irraa waraabame. Saptuagint LXX "Ormoota" qaba. Waaqayyo luba bittaa ijoollee Addaam hunda (Uma 3:15) ni fedha, ijoolle Abrahaam miti. Maqaan haarawaa Abrahaam, Abrihaam jechu "abbaa saba baayyee" jechudha. Amma nuyillee ijoollee hidd dhiiga qofa osoo hin taanee ijoollee amantii ta'u beekneerra.

▣ **"warra du'an jiraachisu"** kun humna salqunnamtii Abrahaam deebi'ee ka'eetiif saaraa agarsiisa. (lak 19).

▣ **"isa waan hin jirree akka jiraatu godhutti"** kun moo ulfaahu saaraafi Yisaaq agarsiisa, garuuu kallatti amantii murteessaa ta'e tuqee darba. (Ibr 11:1)

**4:18**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"waan hin abdachiifne ni abdata"** |
| **KJHH** | **"inni, abdiin gamasitti, abdiitti amana"** |
| **KQSHH** | **"abdiidhaan waan hin abdatamne amana"** |
| **TIV** | **"Abrahaam abdiin amana ture, wanti abadachiisu wayita hin jirreettu ture** |
| **KQJ** | **"abdiin waan hin jirre fakkaatullee, inni abdiin ni amana ture"** |

Mataduree addaa “abdii” 12:12 irratti argama. Jechichi xinhiika balloo qaba. Haarold K. Mooltan, The analytical Greek Lexicom Rovised, ful 133, itti fayyadama heddu tarreessa

1. Hiikkaa bu’uuraa, abdii (Rom 5:4; HoE 24:15)
2. abdiidha (Rom 3:24; Gal 5:5)
3. Barreessicha ykn madda (Qol 1:27; 1Xim 1:1)
4. amanu, ofitti amamu (1Phex 1:21)
5. nageenya eegganno wajjiin (HoE 2:26; Rom 8:20)

Yaada kanaan abdiin miira addaa lamaan fayyadama. Abdii dandeetti namaafi humna (lak 19-21) wajjiin abdii kaku Waaqayyooti (lak 17)

▣

**KQSAH, KJHH** **“sanyiin kee ni baayyata”**
**KQSHH** **“sanyiin kee ni heddummatu”**
**TIV** **“horteen kee ni baayyatu”**
**KQJ** **“sanyiin kee akka urjiitti ni baayyatu”**

Kun waraabbii Uma 15:5 isa waa’ee abdii Waaqayyo gara Abrahaam ergeeti. (lak. 19-22) yaadadha Yisaaq kan dhalate:

1. Sagale abdiin booda waggaa kudha sadiitti
2. eegi Abrahaam saaraa geggeessu yaalee booda (si’a lama Uma 12:10-29; 20:1-7)
3. eegi Abrahaam Aggaar (garbitiishee Misiraa) irraa ilma godhatee (Uma 16:1-16)
4. (4) eegi lameen Saaraa (Uma 18:12) fi Abrahaam (Uma 17:17 abdichatti koflanii booda.

Amantii sirrii hin qaban. Waaqayyoon haagalatu fayyinni amantii sirrii hin gaafatu, garuuu wanna qajeelaa qofa (Waaqayyo Kakuu Moofaa fi ilma isaa Kakuu Haaraa ti)

**4:20** Ka’umsa irratti Abrahaam abdiicha guutummatti hin hubanne, akka daa’imni Saaraa irra argatu. Amantiin Abrahaam guutuu miti. Waaqayyo hirdhuu kana beekee fudhate wajjiin hojjete; sababnis Waaqayyo hirdhuus ni jaallata.

▣ **“Amanu dhabuudhaan hin raafamne”** Gochimni kun diakrino, Yesuusiin Matt 22:21; Marq 11:23 keessatti faayidaa kenneera. Sababa hundasan keessa (lak 19) sagalee Waaqayyoo qoraa, garuuu Abrahaam guddina jabaachaa deeme.

Gochimni lameen lak 20 (aorist passive indicative) dha moo bakka bu’aa Waaqayyoo, garuuu Abrahaam humni Waaqayyoo akka isa guutuuf hayyame.

▣ **“Waaqayyoof ulfina kennuu”** mataduree addaa 3:23 ilaali.

**4:21**
**KQSAH** **“guutummatti hubateera”**
**KJHH, KQSHH** **“guutummatti amanuudhaan”**
**TIV** **“gonkimaa mirkanfachuun”**
**NKQJ** **“guututti amane.”**

Kun (aorist passive participle)dha kan guutumatti wanni ta’ee xumuramu kan agarsiisudha. (Luq 1:1; Qol 4:12) ykn abbaan ta’e (4:21; 14:5) maqichi mirkansa guutu qaba Qol 2:2 fi 1Tas 1:5 keessatti. Amantaan namoonni fedha, sagaleefi humna Waaqayyo irratti qaban akka isaan amantiin socho’an isaan dandeechisa.

▣ **“Waaqayyo waan abdachiise moo gochuudhaaf akka danda’uu”** kun (perfect middle) dha. Jechunis gochi darbe deebi’ee dhufuun jiraataa ta’a. Keessi dubbii amantiidha namuu gochaafi abdii Waaqayyoti (16:25; Efs 3:20; Yih 24) ni amana malee hojii namaatti miti (Isa 55:11) Isa inni guututti (Uma 12:1-3 fi 15:6, 12-21, Hizq 36:22-36)

**4:22** kun Uma 15:6 (lak 3) ti itti lixa ta’eeti qabxii tiyoolojii Phaawuloos furtuu ta’e akkaataa itti Waaqayyo namoota cubbamtootaaf qajeelumma kennudha.

**4:23-25** lakkoofsi kunneen akka Giriikitti hima tokkodha.

Dagaaga isaa ilaala.

1. Abrahaamiif jedhee lak 23
2. Amantoota hundaaf jedhe lak 24
3. Waaqayyo yesuusiin kaaseef lak 24
4. Yesuus cubbuu keenyaaf kenname (Yoh 3:16) Yesuus cubbuu keenyaaf akka dhiifamnuuf jedhee kenname (bilisa bane) lak 25

**4:24** Amantiin Abrahaam sanyiinsaa dhugaan hundi akka irra goran karaa ta'e. Abrahaam ni amane (Mata duree addaa 4:5 ilaalaa) Waaqayyoon waa'ee ilma abdiifi horfeesaa. Amantoonni kakuu haarawaa Yesuus masih ittiin guua abdii Waaqayyoo sanyi namaa kufteef kenne ta'u ni amanu. Jechi "sanyii" jettu lameen dachaafi baaqee (ummata, ilma) taatee tajaajilti.

▣ **"ka'ee"** yaadannoo 8:11 ilaali

4:25 "irra daddarbaa keenyaaf du'atti dabarfame kenname" kun jecha seera gabaasa "dabarsanii adabbiif kennuu" jedhudha. Lakkoofsi 25 hima bareedaa kiristooloojii (xin Kiristoos) isa Septuagint (LXX) Isa 53:11-12 jiruuti.

▣ **"qajeelummaa akka argannuufis du'aa kaafame"** Gaallimni lameen lak 25 irra jiran cinaayumma qabu. (aorist passive indicative) Hiikkaan Firaank Sitaagis (New Testament Theology ful 97) "sababni daddarbaa keenyaafi nama qajeelummaa keenyaan akka kaanuutti fayyine" waan jedhu qaba. Hiikkaan kun kallatti itti Phaawuloos jecha "birmadomsu itti fayyadamu danda'e lama agarsiisa.

(1) qorannoo yakkaa (seera qabeessa) fi
(2) jireenya Waaqayyoo, jireenya Kiristoosii fakkaachu mata duree addaa 1:17 ilaali.

**Gaaffii Mariidhaa**

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti, kanaaf hiikkaa keetiif, kitaaba qulqulluu keetiif itti gaafatamaadha. Tokkoon tokkoo keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni qulqulluu kee fi afurri qulqulluu hiikkaa keessatti dursiitoota. ibsaa wajjiin walitti laaquun hin qabdu.

Gaaffiileen marii kun dhimmoota gurguddoo kutaa kitaaba kanaa irratti akka xiyyeeffattu sigargaaruuf kan qophaa'edha. Isaanis ilaalcha dadamaqsuuf malee ibsa kan barbaadan miti.

1. Maaliif kutaan Roomaa kun barbaachisaa ta'ee?
2. Maaliif Phaawuloos Abrahaamiifi Daawitiin akka fakkeenyaatti fudhatee?
3. Akkaataa itti fayydama Phaawuloositti (hiikkaa kee miti) jechoota furtuu ta'an kun ibis
   a. qajeelummaa
   b. herregama
   c. amantii
   d. abdii
4. Yihudootaaf (lak 9-12) dhaqna qabaan baayyee barbaachisaa maaliif ta'uu danda'e?
5. Jechi "sanyii" jedhu lakkoofsa 13 fi 16 eenyuun agarsiisuufidhaa?

# ROOMAA 5

| HIRAMSA BUUFATA HIIKKAA HAMMAYYAA | | | | |
|---|---|---|---|---|
| **YBS** | **KJHH** | **KQSHH** | **TIV** | **KQJ** |
| Ba'aa birmadummaa<br><br>5:1-11 | Rakkina keessattis amantiin ni milkaa'a<br><br>5:1-5<br><br>Kiristoos iddoo keenyatti<br>5:6-11 | Bu'aa birmadummaa<br><br><br>5:1-5<br><br><br><br>5:6-11 | Waaqayyoo wajjiin sirriidha<br><br>5:1-5<br><br><br><br>5:6-11 | Amantiin fayyina dhuugoomsa<br><br>5:1-11 |
| Addaamii fi Kiristoos<br><br><br>5:12-14<br>5:15-21 | Addaamiin du'a Kiristoosiin jireenya<br><br><br>5:12-21 | Addaamii fi Kiristoos walfakkeenyaa fi garaagaruumma<br><br>5:12-14<br><br><br>5:15-17<br><br>5:18-21 | Addaamii fi Kiristoosi<br><br><br>5:12-14b<br>5:14c-17<br><br><br><br>5:18-19<br><br>5:20-21 | Addaamii fi Yesuus<br><br><br>5:12-14<br><br><br>5:15-21 |

**MARROO DUBBIISAA SADII (fuula viii ilaali)**
***FEDHA BARREESSAA KA'UMSAA SADARKAA BUUFATAATTI HORDOFUUN***

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti. Kanaaf hiikkaa keetiif, kitaaba qualqulluu keetiif itti gaafatamoodha. Tookkoon tokkoo keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni qulqulluu keetii fi afuurri qulqulluu hiikkaa keessatti dursitoota. Ibsaa wajjiin walitti laaquu hin qabdu.

Boqonnicha taa'umsa tokkoon dubbisi. Dhimma isaa adaan baafadhu. Hiramsa dubbii kee hirmaasa hiikkaalee shanan oliitti ibsamanii jiraniin bira qabii ilaali. Buufanni afuurahuun miti, garuuu fedha barreessaa ka'umsaa hordofuuf furtuudha, suni moo ifa hiikkooti. Buufanni dhimma tokko fi tokko qofa qaba.

1. Buufata duraa
2. Buufata lammeessoo
3. Buufata sadeessoo
4. kkf

**Ilaa Qabiyyee**

A. Lakkoofsa 1-11ti afaan Giriikitti hima tokkodha. Wiirtuu yaada Phaawuloos “amantiin birmadoomuu” (3:21-4:25) jiru dagaagsu.

B. Tooriin Lak 1-11

| Lakkoofa 1-5 | Lakkoosa 6-8 | Lakoofsa 9-11 |
|---|---|---|
| Faayidaa fayyinaa<br>shaakala dhimma birmadummaa<br>birmadumaa<br>Ximmaada | Bu'uura fayyinaa<br>haqoota birmadumaa<br>eebba dagaagina<br>Xinaamantii | Mirkansa fayyinaa<br>mirkansa birumadumaa fuulduraa<br>ul fina kennaa<br>Iskaatolojii |

C. Lakkoofsi 12-21 marii Yesuus akka Addaam lammatatti godhedha.(1Qor 15:21-22, 45-49, filp 2:6-8) yaada tiyoolojii (xinaamantii) lubbuu dhuunfaa fi yakka gamtaa irratti xiyyeffata Phaawuloosiif kufaatiin sanyii namaa (uumamaa) Addaamiin kufe kan rabbii, yaadni gamtooma isaa sooressaa fi barsiisummaa isa cinatti irraa addaa fi garaagari godha. Kunis dandeetti Phaawuloos kaka'umsa jalaan dhugaa gaafa Yeruusaalemiitti Gamaliiyaal (HoE 22:3) jalatti leenjii hubateeti fayyadamuu ykn deggeramu agarsiisa.

Doktirinaa lallabaa wangeelaa haarome ka'umsa cubbuu Uma 3 Awgisxoosii fi kalviiniin dagaagsame. Innis namonni hundee dhumarraa cubbamoo ta'anii dhalatan (mulqamani) Farsaan 51:5, 58:3 fi Iyo 15:14;25:4 akka barru mikanfata Kakuu Moofaa fi fayyadu. filannoon tiyoolojii (xinaamantii) namoonni haamilee fi afuuraan ittigaafatamoo filannoo fi qubatasaanii kan jedhu namoota Pilaaziyoosi fi Armiinusiin kaa'ame. Yaadasaanii fis ragaaaan hanga ta'e Deb. 1:39, Isa 7:15, fi Yoh 4:11,Yoh 9:41,15:22.24,HOE 17:30, Rom 4:15 argtama amantaa yaada xinaamantii kanaa ijoolonni hanga umrii gaacimatan itti gaafatama haamitee (barsiisotaaf kun waggaa 13 dhiiraa fi 12 dubartiif) fudhatanitti garraamoota kan jedhudh Gitni giddugalaa lameen dhaloota hammeenya fi umrii Ati gaafatama haamilee giddu dhugaan ni jira. Hammeenyi gamtooma gofa miti, garuuu isa dagaagee gara cubbuutti nama geessudha (caalmaatti waqaayyo iraa nama fageessaa deemu).Dadhabinni namoot adhimma miti.(Uma 6:5,11-12,13, Rom 3:9-18,23) garuuu yoom dhalootatti ykn booda jireenya keessaa?

D. Waa'een Lak.12 tiyooriin hin xuqamne hedduun ni jiran
1. Nami hundi du'aa sababa cubsuu filateef (Pilaagiyoos)
2. Cubbuun Addaam uumama hunda miidhe, kanaf, hundi du'an (Lak 18-19, Augisxoos)
3. Dhugumatti feetu walmakoo cubbuu ka'umsaa fi cubbuu fedhinsaa ta'uu danda'a.

E. Walbira qabuun Phaawuloos "akka" in Lak 12 keessatti eegale hanga Lak 18 18 hin xumuramne Lakkoofs 13-17 golbee uumaa isa amala boreessi Phaawuloos.

F. Dhyeessi wangeelaa kan Phaawuloos yaadadha, 1:18-8:39ti dubbii dheeraa tokkodha.
Sirritti hiikuu fi raajeffachuuf guutumaansaa laallamuu qaba.

G. Martiin Luutaar waa'ee boqonnaa shanii "Kitaaba qulqulluu guutummaa keesa kan akka kanaa baruun gammachiisaan ittiin qixxaata kan Biroooo hin jiru" jedha.

**Qo'annoo jechaa fi Gaalee**

**5:1-5**
**[1]Kanaafis amantiidhaan qajeelota erga taanee, goofta keenya Yesus Kristosiin Waaqayyo biratti nagaa qabna. [2]Karaa isaa ayyaana isa amma miyeeffachaa jirru kanatti amantiidhaan dhi'aachuu arganneerra; abdii ulfin Waaqayyoo irraa hirmaachuu keenyaas gammachuudhaan himanna. [3]Kana malees immoo gidiraan obsa akka fid beeknee, gidiraa nutti dhufes gammachuudhaan ni himanna.4 Obsi qoramanii ba'uu fida, qoramanii ba'uunis abdii fida 5 Sababii Waaqayyo, jaalala isaa isa karaa hafuura qulqulluu nuuf kenname, garaa keenya keessatti dhangalaaseef, abdii immoo nu hin yeellaasisu.**

**5:1 "Kanaafis"** jechi kun kan agarsiisu (1) dhimbiibba dhubbii xinaamantii hangaammaa jiruu, (2) goolaba dhiyeessa xinaamantii irratti bu'uraye fi (3) dhiyeessa dhugaa haarawaa ( 5:1,8:1,12:1)

▣ **"amantiidhaan qajeelota erga taanee"** kun(aorist passive indicative) dha Waaqayyo amantoota qayeelcheera kun isa afaan Girikii irratti jalqaba ta'e nyaq gochuu dheraf ( Lak 1-2) Lakkosa 1-11 keessatti tortiibni yeroo waan jiru fakkaata.
1. Lakkoofsa 1-5 shaakala ul finaa keenyaa eyroo ammaa
2. Lkkoofsa 6-8 hojii Kiristoos bakka keenya nuu xumure.
3. Lakkoofsa 9-11 abdii fulduraa fi fayyina mirkansuu toorii B laalli, ilaa qabiyyee keessa

Toor B ilaali, ilaa qabiyyee keessa.

Dudduubbeen jecha "qajelaa ( dikai'oo) " Km keessaa" roga qajeela" ykn " wee safaraa" fi dubbii dlagaa Waaqayyo ittiin ibsan godhanii ayarsiisu yaalan matduree addaa qajeeluma 1"17 ilaali. Amallii fi

qulqullummaan Waaqayyoo safara qajeelummaa isa gotaadha (Lxx of Lew 24:22) fi xinaamantii matti 5:48 keessati ) sababa arsaa fi du'a bakka bu'ummaa Yesuus mantoonni yakka hin qaban jechuu osoo hin taane akka dhifama fi.Abbaan ta'e adabicha baaseera ( 2Qor 5:21) amantoonni dhifama argachuu labsame ( Lak 9,10)

▣ **"amantiidhaan"** amantiin harka kennaa Waaqayyoo iraa fudhatudha ( Lak 2, Rom 4:1)Amantiin ol ka'iinsa ykn gad fageenya ol kennaa amantoota irratti hin xiyyeeffatatu (Mat 17:20) amalaa fi abdii Waaqayyoo irratti maleee ( Efs 2:8-9) jechi Km " mantii" agarsiisu kan dhaabbii tolee fidha kunis nama garraamii, abdatama fi manamooma fyyadamuu dhufe. Amantiin amanbamooma ykn amantaa keenyati hin xiyyeefatu, Waaqayyoo irratti maleee Maduree adda amantii 4:5 ilaali.

▣ **"nagaa qabna"** Barreefamni Giriik asirratti gargari. Gochimni kun (present active subjunctive *echomen*) dha kana deggara yooyu (present active indicative, *echomen*) ta'e: nageenyatti gammaduu keenya ittumafna" ykn" nagaan gammadaa tura" isa jedhutti hiikkama yoo (subjunctive) ta'e gara" nageenya qabna" jedhutti Hiikama yaadni Lak. 1-11 jiru gorsa miti, waan amantoonni dursanii ta'anii fi karaa Kiristoos keessan qaban labsuudha. Knaafuu gochimnichi (present active indicative)" nageenya qabna" ta'a YSB4n carra kana an" A" kenna ( mirknsa)

Barreefamonni hedduu Giriik keenyaa kan tolfaman hogguu namni tokko dubbisu warri kaan ni barreesu ture. Jechonni dubbisama walfakkaata qaban dogoggora umurii turan Asitti egaa yaaddii fi darbe darbee toftaan barreesaa fi jechoonni bareesaa hojii hiikkaa kan salphisu danda'an.

▣ **"nagaa**" matduree addaa aanee jiru laalli.

**MATDUREE ADDAA: NAGAA**

Techi Giriikii kun ka'umsaa waan cabee deebisanii fayyisuu isa jedhudha ( Yoh.14:27,16:33. filp A:7) Kakuu Haaraa keessatti karaa sadii waa'ee nagaa ni kaasa.

1. Kallatti nageenya Waaqayyoon kar Yesuusiin qabnuu (Qo 11:20)
2. Kallatti dhimma nuyi Waaqayyo wajjin sirrii itti taane ( Yoh 14:27,16:33, filp 4:7)
3. Waaqayo gaama haarawa tokko, karaa Kiristoos, gumaa'ee, hameen amantoota Yihudii fi Oromootati (Efs 2:14-17,Qo13:150 Takkaa Waaqayyon walii nagaa taanaan, isaan kaan wajjiinis nagaa ni taana.Inni dalgee isa dheroos ni ta'a.

Niwmaanii fi Nidaa Translator's haud book on paulis Letter to the Romans P 92 qeeqa gaarii nagaa" irratti dhiyeessa.

Jechi " nagaa" jedhu kun kakuu lameen Moofaa fi haarawa keessati hiikkaa baayyee qaba.Bu'uurrisaa fayyaahimmaa jireenya namoota ibsa, inumaahuu Yihudoota biratti akka naga gaaf fiitti fudhatameyu jechichi hiikkaa barbaachisummaa qabatee Yihudoota biratti fayyinaaMasihichaa ibsa sababa kanaa, yeroo itti bifa walfakkaataan akka "Waaqayyo wajjiin walitti dhufeenya sirriitti" fi tajaajilus ni qaba. Asitti jechichi akka walitti dhufeenyaa namaa fi Waaqayyo gidduu jiru gufaata hin qabneetti agarsiisutu mul'ata. Kun Waaqayyo namaa akka isaaf siratutti waan kaa'ee fi, ful 92)

▣ **"Gooftaa keenya Yesuus Kiristoosiin waqayyo biratti"** Yesuus bakka bu'aa nageenya Waaqayyo biraa fidudha.Karaan nageenyaa Waaqayyoo Yesuus qofadha. (Yoh 10:7-8,14:6, HOE 4:12,1Xm 2:5) jecha maqaa iraa jiruf Yaadannoo 1:4 Yesuus Kiristoos ilaali.

**5:2 "isa amma miyeeffachaa jira…dhyaachu arganneeraa"** kun (present active indicative) dha. Gocha darbe godhamee amma bu'an isaa jiraataa ta'e dubata jechii " miyeeffachaa" inni jedhu "seensa" ykn " fudhatama" (prosagoge, Efs 2:18,3:12).Faayidaan dhufeef (1) dhunfaan garraamachuun dhiyaachuuf ykn (2) gara malkaatti nagaan fidhuuf.

Guutoon kun barreeamka Giriikii gargara qaba. Barreeffamani durduri muraasni "amantiin" dabalatu (2) fi laatinni, Vulgeete, Syriyaaq fi hiikkaa Koptiik durii qabu).Barreefamonni Biroooo moo durgala itti dabalu (?,A fi hiikka Vugeet muraasa) Haa ta'u fi, barreeffamni addaa B,D.F fi G huda'uu ni habisu.Waan barreessitonni barasanaa cinaayisa 5:1 fi4:16 (si'a lama) 10, fi 20 guutan fakkaata, " amantii dhaan " qabiyyee jabaa Phaawulos amanati.

▣ **"Gara ulfina kana"** jechi kun (charis) jechuun Waaqayyoof kan hintaane, hidhata kan hin qabne, jaalala qulqullummaa hin qabne (Efs 2:4-9) jechuudha. Du'aa Kiristoosi bakka sanyii namaa cubbamoo ta'anii (Lak-8) du'een ifatti muldhateera.

▣ **"isa ittiin dhaabbanni"** kunis(perfect active indicative)dha. Nuyi dhaabane, ni dhaabbannas" kun gita xmaamantii amantootaa fi amantiitti turufu, isa fedha namoota fi gargalcha ximamantii birmadummaa Waaqayyoo fi warreegama agarsiisa (Efs 6:11,13,14)

**MATDUREE ADDAA;DHAABBII (HISTEMI)**

Jechi kun mira ximamantii hedduun Kakuu Haaraa keessatti fayyada

1. Hundeessuf
   a. seena Km, Rom 3:31
   b. qajeelummaa i fii, Rom 1:3
   c. Kakuu haarawa, Ibr 10:9
   d. Komii 2 Qor 13:1
   e. dhugaa Waaqayyoo 2Xm 2:19
2. afuuraan dandaamachuu
   a. amajaajii,Efs 6::11
   b. guyyaa murtii , mul 6:17
3. dhaabbatanni dandamachuu
   a. haasawa loltumama,Efs 6:14
   b. haasawaa sivihi Rom 14:4
4. gita dhugaa, Yoh 8:44
5. gita ul finaa
   a. Rom 5:2
   b. 1Qor 15:1
   c. 1-Phex 5:12
6. gita amantiin
   a. Rom 11:20
   b. 1Qor 7:37
   c. 1Qor 15:1
   d.2 Qor 1:24
7. gita amala bada 1Qor 10:2

Jechi kun lameen ul fina kakuu fi birmadummaa Waaqayyo amantoonni deebii kennuu fi qaban, mantiidhaan ittii hiikan ibsa! Lameenu dhugaa kitaaba qulqulluuti walitti qabamuu qabu.

▣ **"Ni gammadna"** Bifti seerlugaa kun akka (1(present middle indicative)ni gamammadna" ykn (2 ) (present middle subjunctive) haa gammannu. Hayyonni kana irratti walhiru yoo nama tokko " ni qabna" Lak 1ti akka indicative ta'e hiikkaan hanga Lak 3ti qixa.

Hiddi jecha "gammachu" "boonuu"dha. (KQSHH,KQJ) Mataduree addaa 2:17 laalli. Amantoonni i fitti gammachuu hinqabaatan (3:27), garuuu isa Gooftaan isanii godheen Erm 9:23-24, jechi hidda Giriik kun Lak. 3 fi 11 keessatti dabalama.

▣ **"Abdiidhaan"** Phaawuloos jecha kana miira garaagaraa ammoooo walitti firoomuun itti fayyadameera.Yaadannoo 4:18 laalli amantii amantootaatti walitti hidhamee muldhata. Kun mmoo akka ul finaatti, jirenyaa barbaaraatti, fayyina dhumaa hin qabnetti, lamata dhufatti kkf ibsameera. Ta'uun saa mirkana, garuuu yeroonsa fulduraa fi hin beekkamu " amantii" fi jaalalatti" hidhata.(1Qor 13:13, Gal 5:5-6, Efs 4:2-5,1 Tas1:3,5:8) Itti fayyadamni Phaawuloos muraasni akka armaan gadii ti.

1. Dhufaatti lammataa Gal 5:5,Efs 1:18,Tit 2:13
2. Yesuus abdii keenya 1Xim 1:1
3. Amtoonni Waaqayyoof dhiyaatu Qor 1:22-23,1Tas 2:19
4. Abdii jannatarraa kaayame Qor 1:5

5. Fayyina dhuma hinqabne, 1 Tas 4:13
6. U fina Waaqayyoo Rom 5:2,2Qor 3:12,Qor11:27
7. Mrkansa fayyinaa, 1Tas 5:8-9
8. jJreenya bara baraa, TiT 1:2,3:7
9. B`aa bilchina kiristaanumaa, Rom 5:2-5
10. Lubbuu bitamuu uumama hundaa, Fom 8:20-22
11. Maqaa Waaqayyoo, Rom 15:13
12. Guddifamuu seerummaa,Rom 8:23-25
13. Kakuu Moofaa akka qajeelcha amantoota Kakuu Haaraa fi,Rom 15:4

▣ **"Ul fina Waaqayyoo"** Guutoon kun jechama Kakuu Moofaa jireenya Waaqayyoo fi kan agarsiisus amantoonni qajeelumaa amantii Yesyys gaafa dy'aa ka'uun (2Qor 5:21) san kenneen Waaqayyoo fuldura dhaabachuudha. Jecha xinamantiin "ulfeessuu" (Lak 9-10,8:30) Amantoonni fakeenyummaa Yesuus hirmaatu (1Hon 3:2, 2 Phex 1:140 maduree addaa ul fina 3:23 ilaali.

**5:3**
**KQSAH "kana qofa miti, garuuu"**
**NAJV "sana qofa miti, garuuu"**
**KQSHH "sana qofa miti, garuuu"**
**TIV "hambise"**
**NKQJ "sana qofa mit"**

Phaawuloos wal makata jecdhoota kanaa yeroo hedduu ittidhima ba'a (5:3,11,8:23,9:10 fi 2 Qor 8:19)
**KQSAH " gidiraa keenyatti ni gammana"**
**NKKQJ " qorumattis ni ulfeessina"**
**KQSHH " gidiraa keenyatti ni boonna"**
**ITIV " dararama keenyattis ni boonna"**
**NKQJ " haa gammannu, dararu, rakkina keenyatti"**
Yoo addunyaan Yesuusiin jibbite, hordoffoota isaas jibbite jechuudha.(Mat 10:10:22,24:9, Yoh 15:18-21) Yesuus bilchaataadha, akka namootaatti yoo haasa'amu, wan itti qidirfametti (Ibr 5:8) gidiraan qajeellummaa fida, isa karoora Waaqayyo amantoota hundaaf qabu san (8:17-19, HDE 14:22 Tomas 1:2-4, 1Phex 4:12-19)

▣ **"Beeknee"** kun (perfect participle) "oida" ti. Bifaan sirriidha akka tajaajilaati kennaa anmmaati .Amantoonni hubannoon dhugaa wangeelaaf isaan qaban gammachuu fi i fitti amanuun gidiraa jireenyaa fuldura dhaabbachuun, isa haala irratti hundaa'e utuu hin ta'iin, yeroo dhuma qorumsaayu( filp 4:4,1Tas 5:16,18) jabaa ta'uu qaba.

**5:3 "Gidiraa"** mataduree addaa itti aanu ilaali.

**MATDUREE ADDAA : GIDIRAA**
Garaagaruummaan itti fayyadama jecha (thlipsis) Phaawuloosi fi Yohaannis kan xinamantii ta'uu qaba.
I. Itti fayyadma Phaawuloos (itti fayadama Yesuus)
A. Rakkina, dararama, hammeenya addunyaa Kufte marse
1. Matt 13:21
2. Rom 5:3
3. 1Qor 7:27
4. 2 Qor 7:4
5. Efs 3:13
B. Rakkina dararama, hammeenya amantootaan dhufu
1. Rom 5:3,8:35,12"12
2. 2 Qor 1:4,8,6:4,7:4,8:2,13
3. Efs 3:13
4. filp 4:14

5. 1 Tas 1:6
6. 2 Tas 1:4

C . Rakkina, darama, hammeenya yeroo dhumaan

1. Matti 24:21,29
2. Marq 13:19.24
3. Tas 1:6-9

II. Itti fayyyadama Yohaannis

A. Yohaannis jechoot athllpsis fi orge ykn Thumos (dheekkamsa) muldhata keesatti gargara godheera Thlipsis waan hin amanne warraa amane iratti godhu fi arge waan Waaqayyo warra hin amanetti godhudha.

1. Thlipsis – Mal 1:9,2:9-10,22,7:14
2. Orge Mul 6:16-17,11:18,16:19,19:15
3. Thumos Mul 12:12,14:8,10,19,15:2,7,16:1,18:3

B. Yohaannis jechicha wangeela isaa keessatti rakkole amantoota qunnamu sadarkaa hundatti fayyadame – Yoh 16:33.

**5:3,4 "Obsa"** jechichi "fedhinnaa" "ho'iitu" " sardamtuu" "cimina" jechuudha jechichi obsa ummataa fi haala ti firooma matduree addaa 8:25 ilaali.

**5:4**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"qoramanii bahuu"** |
| **KJHH, KQSHH** | **"amala"** |
| **TIV** | **"bahuu Waaqayyoo"** |
| **KQJ** | **"amala qorame"** |

LXX Uma 23:16,1Mot 10:18, 1sen 28:18 keessatti jechi kun qulqullina sibiilaa qoruuf fayyada ture( 2Qor 2:9,8:2,9:13,13,3, filp 2:22, 2 Xim 2:15, Tom 1:12) Qorumsi Waaqayyoo yeroo hunda jabinaa fi (Ibr 12:10-11) matduree addaa : Qorumsa 2:18 ilaali.

**5:5 "sababii Waaqayyoo jaalala garaa keenyatti dhangalaaseef"** kun (perfect passive indicative) dha jaalalli Waaqayyoo dhangala'e dhangala'aa jiru" gochimichi afuura qulqullu wajjiin hojjeta ( HOE 2:17,18,33,10:45 fi Tit 3:6) feetu Iyo'el 2::28-29 ni gorsiisa.Guutoon genitive kun immoo " jaalala Waaqayyoo" seerlugaan kan agarsiisu (1) jaalala Waaqayyoo" seerhugaan kan Waaqayyoo nuuf qabu ( 2 Qor 5:14) Lakkoosi lama filannoo yaadaa qofa.

▣ **"isa karaa hafuura qulqulluu nuuf kenname"** kun(aorist passive participle) bakka bu'ummaa waqayyoo agarsiisuu fi kunmoo amantoonni caalmaatti akka isaan afuura hin barbaannee agarsiisa.isaan hafuura qabu ta'a ykn kiristaanaa mit ( 8:9) kennaan afuuraa mallatto bara haarawaa ti ( Yo'el 2:28-29) kakuu haarawaa (Erm 31:31-34,-th2 36:22-32)

▣ sadeen tokkummaa buufataa kana keessa jiraachu hubadhaa.

1. Waaqayyo lak 1, 2, 5, 8, 10
2. Yesuus lak 1, 6, 8, 9, 10
3. Afuura Qulqulluu lak 5

Mataduree addaa Sadeen Tokkummaa 8:11 ilaali,

**5:6-11**
**6 Nuyi amma illee of-dadhaboo taanee utuu jirruu yeroon yaadame yommuu ga' etti Kristos warra akkuma keeny,Waaqayyo irraa fagaatan hundumaaf du'e.7 Tarii namni nama Waan gaarii godhe tokkoof du'uuffedha qaba ta'a malee nama qajeelaadhaaf waan du'uuf hin fakkaatu.**
**8 Waaqayyo garuuu, utuma nuyi cubbamoota taanee jirruu, Kristos nuu:du'uu isaatiin hammam akka nu jaallate ni argisiisa.9 Kanaafis amma nuyi dhiiga isaa isa dhangala' een qajeelot, erga taanee, hammam caalaatti isumaan immoo dheekkams, Waaqayyoo jalaa ooluuf jirra!10 Nuyi amma illee diinota utumajirruu, du'a ilma isaatiin Waaqayyotti erga araaramnee, amma immoo nuyi warri isatti araaramne jireenya isaatiin hammam caalaatti ooluuf jirra !11 Kana duwwaas miti, gooftaa keenya Yesus Kristosiin amma araara waan qabnuufis Waaqayyotti gammaduu keenya ni himanna malee.**

**5:6**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"Nuyi ammallee ifa dadhaboo taanee utuu jirru"** |
| **KJHH** | **"wayita nuyi ammallee jabina maleee jirrutti"** |
| **KQSHH** | **"nuyi ammallee maleee dadhaboota"** |
| **TIV** | **" nuyi ammallee gargaarsa maleee jirrutti"** |
| **NKQJ** | **" nuyi ammallee gargaarsa maleeeyidha"** |

Gochimni kun(present participle) dha kun kufaati sanyi nma uumama Addaan agarsiisa. Namoonni cubbuuraa gargaluuf humna hinqaban. Maqdhaalli " Nuyi" jettu maqdhaal ibsitu Lak 66 " Waaqamaleeeyi" Lakk 8" cubbamoota" fi lak 10" diinoota" jedhuun ni ibsa, ni cinaaya lak 6 fi 8 xinamantii fi caasaan ni cinaayyu.

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KQSHH** | **" yeroon yaadame"** |
| **KJHH** | **" yeroo dhumatti** |
| **TIV** | **" yeroo Waaqayyoo filatetti"** |
| **KQJ** | **" battala beellamatetti"** |

Kun seenaadhumaanu kanagarsiisu (1) nageenyi Roomaa tola imaluu hayyame (20 afaan Giriiki walqunnamtii aadaa qaxxamura hayyame (3) duuti waaqolii Giriikii fi Roomaa addunyaa dheebuutaa afuuraa uume (Morq 1:15, Gal 4:4, Efs 1:10, Tif 1:3) xinamantiidhaan akka namaa foon uffachuun karoora, ta'umaa humnaati 9 Luq 22:22,HOE 2:23,3:18, 4:28, Efs 1:11)

**5:6,8,10 "warraa Waaqayyooraa fagaataniif diu'e"** kun (aorist active indicative) dha
jireenyaa fi du'a Yesuus akka ta'uma gamtoometti fudhate. "Yesuus waan hinliqeefatiin kafale, nummoo liqaa qabna hin kafallee" (Gal 3:13,1Yoh 4:10)

Duuti Kiristoos barreefama Phaawuloos keessatti qabiyyee reefuuti .Techoota gargar fi gaaleetti fayyadameera du'a bakka bu'ummaa Yesuus agarsiisuuf.

1. "Dhiiga" (3:25,5:9,1 Qor 11:27,27,Efs 1:7,2:13,Qor 1:20)
2. "If kenne " (Efs 5:2,25)
3. " Fayyina" (Rom 4:25,8:32)
4. " Aarsaa" (1 Qor 5:7)
5. " Du'a" (Rom 5:6,8:34,14:9,15,1 Qor 8:11, 15:3,2 Qor 5:15, Gal 5:21,1 Tas 4:14-5:10)
6. " Fannoo" (1Qor 1:17-18,Gal 5:11,6:12-14,Efs 2:8,Qor 1:20,2:14
7. " Fannifama (1Qor 1:23,2:2,2 Qor 13:4,Gal 3:1

Durgalli huper jedhu yaada kana keesssatti

1. Bakka bu'umma " bakka keenyaa"
2. Bakka bu'usuu " iddoo keenyatti" qaba"

Hikkaan bu'uuraa jecha 'huper' durgalee wajjini" bakka" (Loowu fi Nidaa) oogii namoonni argaatani ibsa ( The New Internalional dictonary of New Testament Theology, jil 3, ful 1196 haa ta'u fi, huper miira " farraa" isa "bakkummaa" qaba xinamantiin moo dogoggora dura hojjetameef bakka bu'umaa taasifamu agarsiisa ( Marq 10:45, Yoh 11:50,18:14,2 Qor 5:14, 1Xim 2:6 ) M.J Harris ( NIDOTTEm Jil 3, ful 1197) akki jedhu" garuuu maalii Phawuloos Kiristoos kan du'e anti hemon jechu didee? (1Xim 2:6 itti dhiyaateera. Antiluton huper panton) feetu sababa durgala huper, akka anti walcina bakka bu'amuu fi bakka buusamu ni ibsa ta'a.

M.R Yincent, word studies, jil. 2 akki jedhu

"jechi huper jedhu fi jechi anti jedhu walgituun saanii mormisiisaadha.Barreessitoonni durii iddotti waljijjiiran bira gahuuf haala mijeessu… hiikkaan dubbisa kanaa waan ragaaaadhaan hin deggeramnetti mirkansuun hin danda'amu .Durgaalli feetu hiikkaa gandaa qabaachu mala, du'arratti homti dubbisa kanaa murteesaa miti. Kan jedhamuu danda'u huper hiikaa anti akka daangessuudha.Bakka bu'uun irraa caalaa dubbisa kanaa miira isaa fi, bikka jedhu qaba. Ibsi dhugaadhaa, dubbisicha keessatti gaaf fiin, isan, maqaadhaan, du'a Kiristoosiitti hidhata.Gal 3:13 Rom 14:15, 1 Phex 3:18, *huper* kan inni agarsiisu durgaala waligalaan Kiristoos bakka bu'umma du'e- miira bakkuma dhiisuun dubbisa biroooon qabsiisa.Hiikkaan bikka bu'ummaa dabalameera, garuuu agarsiisuu fi ( ful 692)

**5:7** Lakkoofsi kun jaalala namaa agarsiisa Lakkoof sammoooo jaalala Waaqaa!

**KQSAH,KJHH**
**TIV "nama qajeelchaa"**
**KQSHH " nama qajeelaaf"**
**KQJ " nama gaariif"**

Jechi kun akkuma Nohii fi Iyoob qajeelota ykn komee hinqabne itti fayyadaman san ammas akkanuma. Waaqaa amantii bara saanii hordofu.cubbu dhabuu hin laallatu. Matduree adda 1:17 ilaali.

**5:8. "Waaqayyo …akka nu jaallattu ni argisiise"** kun(present active indicative) yeroo ta'u , Abbaan ilma erge (8:3,32,2Qor 5:19) fallalli Waaqayyoo miirama miti, garuuyu gochaan makatadha ( Yoh 3:16,1 Yoh 4:10) fi sanuma.

**5.9 "hamman caalatti"** kun ibsa Phaawuloos hedduu jaalaltudha (Lak 10,15,17) egaaWaaqayyoo amantoota baayyee jaalatee, wayita isan cubamoo ta'ani jiranitti amma moo hogguu ijoollee isaa ta'anii jiranitti moo hangam dabalee jaalatarre (5:10,8:22).

▣ **"amma nuyi dhigaasaatiin qajeelooat erga taane"** kun(aorist passive participle) qajeelummaa akka hojii Waaqayyoo xumurameti agarsiisa.Phaawuloos dhugaa Lak. 1 iraa deebi'a.Akkasumas cinaayina jechoota " qajeelaa" (Lak 9) fi "araara" ( Lak 10-11) qalbifata.

▣ **"dhigasaatiin"** kun du'a Kiristoos aarsaa ta'e argarsiisaa (marq 10:45,2Qor 5:21)yaadani aarsaa kun, Lubbuun garraami yakkamtoota bakka ximamanti fimoo Yesuusiin laallate isa 53:4-6. Kitaaba Ibrootaa keessatti miira qo'annoo Kiristoosin muldhata.Kitaabni Ibrootaa kakuu Moofaa fi kakuu haarawaa alBiroooon qabee loola qabxilee gargaraa irratti.

▣ **"jalaa ooluu fi"** kun(future passive indicative) lak1) kun fayyina keenya dhuma hinqabne isa " ulfeessuu" jedhuu agarsiisan Lak 2;8:30, 1Yoh 3:2)

Kakuu Haaraa fayyina kennaa gochiima hundaan ibsa.

1. gocha xumurame, HOE 15:11, Rom 8:24,2Xim 1:9,Tit 3:5
2. gocha darbe amma bu'a jiru (sirrii) Efs 2:5,8
3. deemsa dagaagaa (amma) 1Qor 1:18,15:2,2Qor 2:15, 1 Tas 4:14:1Phex 3:21
4. oolii fulduraaf (fuldura) Rom 5:9,10,10:9

Mataduree addaa 10:13 ilaali fayyinni kan eegaluu murtii duraatiinii garuuu gara walitti dhfeenyaatti gaf tokko iddo gudda gahutti dagaaga.Kun jechoota xinamantii sadeenii ibsame.qajeelummaa, jechuun "adaba cubbuu jala bahuu" eebbifamuu jechuun" humna cubbuu jala bahuu", fi ulfeessuu jechuun iddoo cubbuun jiru jala baruu"

Qajeelummaa fi eebbifamuun gocha Waaqayyoo bareedaa karaa amantii Kiristoosiin kenname balee homaa miti. Kakuu Haaraa dabalataan eebbifamuun jireenyaan amma Kiristoosiin f akkeenyummaa ta'uu dubbata.Sababa kanaa xinamantoonni "eeba gitaa" fi "eebba guddinaa" jedhanii dubbatu.Kun iccitii fayyina tolaa jireenya waaqummaa jala lixeeti.

▣ **"dheekkamsa Waaqayyoo"** kun yaada iskaatologiilaalaati kitaabni qulqulluu Waaqayyoo guddaa, kan hin maleee, jaalala gaata hin qabne, garuuu akkasumas mormii cubbuu fi ganuu fi qabu calalee fi kaa'a__ Waaqayyoo karaa fyyinaa fi dhiifamaa karaa Kiristoos ta'uus kaa'eera.Warri isaaa gatanii moo dheekkamsa

jala galu (1:18-3:20) kun gaaleeantroopomon fiic fi, garuu dhugaa agarsiisa. Harka Waaqayyoo aaree irratti kufuun hangam suukkanneesa ( Ibr 10:31)

**5:10 "Yoo"** kun (first class conditional sentence) dha innis kallatti barreessichan ykn akkeeka barruuf dhugaa ta'uun tilmaamama.Namoonni uumaa waqayyoo dhuma hin qabnee, diina ta'e! Namni (Uma 3:5) fi saayxanni (isa 14:14,th2 28:2-17) rakkoo walfakkaata qabu, fedhii bihisummaa, fedha to'annoo, fedha waaqumaa.

▣ **"Waaqayyootti erga araaramnee… warri isatti araaramne"** kun (aorist passive indicative) fi (aorist passive participle) dha Gochimni "araara" jedhu " jijjiiruu" jechuudha.Waaqayyoo cubbuu keenya qajeelumma Yesuusitti (isa 53:4-6) jijjiire Nageenyi deebi'a dhaabateera( Lak-1)

▣ **"karaa du'a ilmasaatiin"** angeelli dhifamaa kan bu'uuraye (1) jaalala Waaqayyoo (2) hojii Kiristoosiin (3) afuufaa afuura qulqulluun, fi (4) amantii /qalbii diddirannaa namoota keessatti karaa Biroooo Waaqayyoon sirrattan hinjiru.(Yoh 14:6 fayyinni mirkanaahaan amala waaqoma sadooma irratti maleee hojii namoota irratti miti ! Gargalchi saa hojiin namaa fayyina boodaa ragaaa fayyina tolaati( Yonaasii fi 1Yohannis).

▣ **"Jireenyasaatiin"** jechi Giriiki jireenyaa "200"dha jechi barreefama Yohaannis keessaa jireenya du'a booda jireenyaa bara baraa, ykn jireenya mootummaa yoo mara agarsiisa. Phaawulos miira xinamantoomaan fayydameera.amantaan yaada kanaa dhiifama amantootaaf Waaqayyoo eegi gati gatii hammana gahu kafalee, hojumaatasaa fis sirritti itti fufa isa jedhuudha.

"Jireenyi" kan inni agarsiisu (1) du'aa ka'uu Yesuus (8:34,1Qor 15), (2) hojii jaarsummaa Yesuus 98:34,Ibr 7:25,1Yoh 2:1) ykn (3) afuura Kiristoosin nu keessatti tolchu (Rom 8:29,Gal 4:19)dha .Phaawuloos kan inni mirkanse jireenyi Yesuus inni biyya lafaa fi duuti isaa akkasumas jireenyi isaa ol kaafame bu'uura araara keenya ta'uusaati.

**5:11 "Kana duwwaa miti, garuuu"** yaadannoo Lak. 3 laallii'Buufanni.

▣ **"Gammadu keenya"** yaadannoo ilaali. Kun tajaajila sadafaa "gammachuu abdii ul finaa Lak 2

1. Gammachuu abdii ul fina Lak 2
2. Gammachuu gidiraa keessa Lak 3
3. Gammachuu araara keessaa Lak 11

   Boonni faallaa 2:17 fi 23 keessatti muldhata

**"amma araara waan qabnuu fis"** kun(aorist active indicative) gocha xumuramedha. Araarri amantootaas lak 10 keessatti fi 2Qor 5:18-21, Efs 2:16-22,Qor 1:19-23 keessatti ka'ee mariyaafameera.Yaada kanaan " araarri" fakkaatt xumamantii qajeelummaa: ta'a.

**5:12-14**
**[12]Egaa cubbuun karaa nama tokkoo biyya lafaatti akkuma dhufe, duunis karaa cubbuu akka gale, akkasumas namoonni hundinuu waan yakkaniif duuni sanyii namaa hundumaa wal ga'e. [13]Utuma seerichi hin kennamin iyyuu cubbuun biyya lafaa irra jira ture; garuu lafa seerri hin jirretti cubbuun hin lakkaa'amu. [14]Haa ta'u iyyuu malee, bara Addaamii jalqabee hamma bara Museetti duuni nama hundumaa irratti mo'e; warruma sanyii irra-daddarbaa Addaamiin hin yakkin irratti iyyuu mo'eera, Addaam fakkeenya isa dhufuuf jedhu sanaa ture'o.**

**5:12 "Kanaafuu"** kitaabni Roomaa jecha "kanaafu" jedhu tarsiimoon buufaman hedduu qaba. (5:1,8:1,12:1) Gaaf fiini ibsa waanitti firmaniidha.karaa itti haasawa Phaawuloos guutummaa ta'uu ni danda'a. Mirkanatti kun seera uumaa fi feetu gara Roomaatti 1:18-32ti firooma.

▣ **"Akkuma cubbuun karaa nama tokko wayyalafaatti dhufe"** gochimni sadeen Lak 12 keesaa (aorist tense )dha . Kufaatiin Addaam du'a fide (1Qor 15:22). Kitaabni Qulqulluu ka'umsa cubbuu hin naama'u. Cubbuun mootummaa ergamtootale ni jira ( uma 3 fi mul 12:7-9)

Cubbuun Addaam kallatti lama marsa (1) abbomamu dhabuu aboomii murtaa'eef(uma 2:16-17) fi (2) i fitti boonuu ( uma 3:5-6) kun uma 3 isa Rooma 1:18-32) keesatti kae'etti seena.kana Phaawuloosiin ilaalcha barsiisummaa iraa adda isa baase xinamantii cubbuu fi .Barsiisonni Uma 3irratti hin xiyyeeffatani, indagama "indagama "yaaliin" (yetzers) lama jiraachu mirkansu.
Techi barsiisummaa isaanii beekkama tokko " Laphee hundumaa keesa sareen gurraatti fi adiin ni jirti" Inni ati caalaa soortu caalaa guddaa ta'a: isa jedhudha.

Phaawuloos cubbuun akka gargarbaasaa Waaqayyoo qulqulluu fii uumama isa ta'e arge.Phaawuloos xinamantichi tarsimoo qabu ( Yoonas stewards A man in chrisst) miti. Ka'umsa cubbuu hedduu kenne (1) kufaati Addam (2) qorumsa seeyxanaa fi (3) gaqaniisa namootaa itti fufe.

Cinaayisaa fi morkisa xinamantii Addaamii fi Yesuus giddu cinaayisaa fi morkisa xinamantii Addaamii fi Yesuus giddu jiru dubbi keessaa lama qaba.

1. Adddaam nama seenaa dhugaadhaa
2. Yesuus nama dhugaadhaa

Dhugaan kun lameen barsiisa sobaa fulduratti kitaabni qulqulluu mirkansu, 1tti fayyadama jecha "nama tokko" ykn "tokkicha" jedhu hubadha.Karaa lama jecha kanaan Addaamii fi Yesuusiin agarsiisuuf si'a kudha tokkoti fayyadameera.

▣ **"duuti karaa cubbuu"** kitaabni qulqulluu sadarkaa du'aa sadii agarsiisa (1) du'a afuura (uma 2:17,3:1-7, Efs 2:1) (2) du'a qaamaa (fooni) uma 5) fi (3) du'a barbaraa (Mul 2:11,20:6,14,21:8).Inni dubbisa kana keessatti dubbatamun du'a afuuraa Addaamidha ( Uma 3:14-19) isa du'a foonii sanyii namaa bu'edha (Uma 5)

▣ **"duuti sanyi namaa hunduma walgahe"** Amantana buufata kanaa inni guddaan duuniyooma cubbuu (Lak.16-19,1Qor 15:22 Gal 1:10) fi du'a ti.

▣ **"Namoonni hundinuu waan yakkanii fi"** Namoonni hundi Addaam waliin yakkaniiru (biffaa cubbamtuu dhaalaan fi fidhii cubbama0 sababa kanaa namni hundi cubbuu gochuuf irraa deddeebi'e filate.Kitaabni qulqulluu xiyyeeffannoo kun kennu namni hundi dhuunfaanis gamtaanis cubbamoota 91 Mot 8:46, 2Qor 6:36, Far 14:1-2,130:3,143:2.Fak 20:9,Lal 7:20:isa 9:17,53:6,Rom 3:9-18 23,5:18,11:32,Gal 3:22, 1Hoh 1:8-10)ti

Ammallee yaadni xiyyeeffannoo ( Lak 15-19) dha gochi tokko du'a (Addam) fi gochi tokko jreenya (Yesuus) sababa ta'uusaati.haata'uuti Waaqayo walitti dhufeenya nama waliin qabu caaseesseef deebiin namoota hallotti ijoo " dhabamaa" fi " qajeelumma" irrati barbaachisaadha.Namoonni qubsama saanii fulduraa irratti fedhinnaan hiraatu.Cubbuu ykn Kiristoos fi'atu.Llameen filachuun hin danda'an. Isa isaaniif tolutti maxxanu.

Jijjiirama ' sababa" beekkamadha, hiikkaan mormisiisaadha.Phaawuloos Eph ni 2 Qor 5:4, filp 3:12, fi 4:10 keesati miiraa " sababaan" fayyadameera. Knaa fiifu hundi namaa dunfaan cubbuu gochuu fi waqayyoon garuuu filate.Gariin muldhata addaabn gatuun, garuuu hundi muldhate uumamaa gatuunidha. (1:18-3:20)

**5:13-14** Ilaalchi dhugaa kun Rom 4:15 fi HoE 17:30 keessattis hubatameera.Waaqayyoo gaariidha. Namoonni waan isaanitti baraachisaaf qofa gaafatamu.Lakkoofsi kun waa'ee muldhata addaa ( Kakuu Moofaa, Yesuusi, Kakuu Haaraa) dubbata, maleee muldhata uumamaa ( Far 19:Rom 1:18-23,2:11-16)

KJHH dorgommii lak 12 akka golboo dheeraa ( lak 13-17) fi gargar baheen xumurasaarraa lak 18-21

**5:14**

| | |
|---|---|
| **KQSAH,KJHH** | |
| **KQJ** | **" duuti dhaala"** |
| **KQSHH** | **" duuti bittaa shaakale"** |
| **TIV** | **" duutii mohate"** |

Duuti akka mootiitti ( Lak 17 fi 21) dhaala.Namoonni du'aa fi cubbuu akka hacuuccuutti boqonnaa kanaa fi boqonnaa 7 keessatti itti fufeera. Muuxannoon duuniyaa du'aa cubbuu duuniyaa sani namaa mirkansa.Lakkoofsa 17 fi 21 affaanni namoomera.ayyaanni moheera! Namoonni filannoo qabu ( karaa Kakuu Moofaa lameen) du'a ykn jireenya jireenyaa keessanitti eenyutu moyee?

▣ **"Warruma sanyii iraa daddarbaa Addaamiin hin tyakkiin irratti iyyuu mo'eera"** Addaam abboomii

Waaqayyoo tarreeffame cabse, hewaan akka kanatti hin cubbine. Waa'ee mukichaa Addaam irraa dhageesse maleee Waaqayyoo irraa miti. Namoonni Addaam iraa qabee hanga Museetti jiraan gantummaa Addaamiin midhamaniiru. Abboomii Waaqayyoo tokkolee hin cabsine, garuuu 1:18-32, isa qaamaa yaada xinamantii kanaa ta'e, dhugaa ifa uumamaa irraa qaban if gantumaa Waaqayyoof itti gaafatamoodha yaadni cubbamuu Addaam ijoolee isaa hundumatti faca'e..

**KQSAH,NKKJV**
**KQSHH** **"inni dhufuuf jedha kan akkasaati"**
**TIV** **"Addaam fakkeenya isa dhufuuf jedheeti"**
**KQJ** **"Addaam isa dhufuu jedhu dursee garsiise"**

Kun AddaamKiristoos walfakkeenya karaa jabaa ta'en ibsa.(1(Qor 15:21-22,45-49, filp 2:6-8) Lameenu akka toora duraatti, jalqaba sanyiitti ( 1Qor 15:45-49) ilaallamu. Addaam Kakuu Moofaa keessaa isa qofaadha yoomuu Kakuu Haaraa keesatti "gosa" yoo jedhamu. Mataduree adddaa:Bifa (Tupos) 6:17 ilaali.

**5:15-17**
**[15]Kennaan Waaqayyo tola kenne garuuu, akka irra-daddarbaa sanaa miti. Namoonni baay'een irra-daddarbaa nama tokkootiin yoo du'an, ayyaanni Waaqayyoo fi kennaan tolaa inni isa irra guddaa caalu immoo Yesus Kristos namicha tokkicha sanaan, namoota baay'eedhaafin argama. [16]Wanti kennaan Waaqayyoo inni tolaa kun fidu immoo, akka isa cubbuun nama tokkoo fide sana miti. Irra-daddarbaa namicha tokkicha sanaa irratti firdiitu kenname; firdichis yakka kan muru ture. Irra-daddarbaa namoota baay'ee irratti garuuu kennaa tolaatu kenname; kennaan sunis qajeelummaatti kan geessu ture. [17]Irra-daddarbaa nama tokkootiin, sababii nama tokkicha sanaaf duuni erga mo'ee, warri qajeelummaa argatan immoo Yesus Kristos namicha tokkicha sanaan hammam guddaa caalchisanii jireenyatti haa mo'an ree!Isaan ayyaana Waaqayyoo fi kennaa tolaa hamma isaan irraa hafutti fudhataniiru.**

5:15-19 Kun dubbii gaalee cinaayaa fayyadamee dheeratedha. KQSAH, KQSHH fi TIV buufaticha Lak 18 irratti hiran. Haa ta'uutti YBS [4], KJHH fi KQJ akka boqonnaatti hiikkani. Fedha barreessichaa isa dhugaan muummee tokko buufata tokko isa buufata tokki isa jedhu furtuu hiikkoo hubadhu.Jechi " baayyee" jedhu Lak 15 fi 19 iraa jecha " hunda" jedhu Lak 12 fi 18 irraat walfakkiidha. Kunis isa 53:11-12 fi Lak 6 keessatti dhugaadha.Garaagaruumaan ximamantii homatuu garee kalviin fi farra kalviin) yaada kanarratti hin bu'ura'u.

**5:18 "tola kenne"** Jechoonni Giriikii lama jecha " kennaa" jedhu yaada kana keessatti fayyaduuf ni jiru Charisma Lak 15,16(6:23) fi doreal dorama Lak 15,16,17 ( yadannoo 3:24 laalli) garuuu fakkaatiwani. Kun dhugumatti oduu gaarii waa'ee fayyinaa fi kenna tola Waaqayyoo karaa Yesuus Kiristoosi (3:24:6:23 fi Efs 2:8,9) warraa Kiristoositti amanan hundaa fidha.

▣ **"yoo"** (first class conditional sentence). kallatti barreessichaan ykn akeeka barreefamichaaf dhugaa ta'uun mit itlmaamama cubbuun Addaam du'a nama hundaatti fide.Kunis Lak 17ti cunaayinaa qaba.

▣ **"baayyinaan"** mata duree addaa 15:13 ilaali.

**5:16 " firdiitu kenname qajeelummaa"** lameen kun kan qoranoo jecha seeraati. Kakuu Moofaa ergaa raajotaa akka dhadhachaati dhiyeesse Phaawuloos bifa kana fayyadame ( Rom 8:1,31-34)

**5:17 "yoo"** (first class conditional sentence). kallatti barreessichaan ykn akeeka barreefamichaaf dhugaa ta'uun ni tilmaamama irraa darbaan Addaam du'aa namootaa fida.

▣ **"warrii argatan- guddaa caalchisanii"** Lakkofsi 18-19 xmamantiin walgita mit.Gaalichi yaada Rom 1-8 iraa ada hin ba'u, akka mirkanfata duniyumaatti tjaajila (hundi ni fayyuu) Namoonni dirqama argachuu qabu ( Lak 17b) kenna Waaqayyoo karaa kiristos erge.Fayyinni hundaaf ni tola, garuuu dhuunfaan fudhatamu qaba ( Yoh 1:12,3:16, Rom 10:9-13)

Gantummaa Addaam tokkitti gantumaa saba hudnaatti cehe.Gochi cubbamaa tokko ol ka'e muldahte ! Garuuu Kiristoosiin aarsaan qajeelaa tokko cubbuu nama baayyee haguuguuf akkasumas waldaha cubbuuf ol ka'ee muldhate “ Guddaa caalchisuu” Ayyaanni haa baayyaatu !

**5:17,18 “ kenni qajeelumaa deebie'e jieenyaa keessatti ni mootoma… hundatti yakka mursiisa”** Yesuus kenna Waaqayyoof fedhii afuuraa sanyi namoota kufanii guutuuf dhiyaatedha.(1Qor 1:30) Gochimni cinaaynaa kun jechuun (1) namoonni cubbomoon karaa hojii Kiristoos xumurameen Waaqayyoo dura qajeelumaan akka dhaabbata ta'eef kunis jireenya Waaqayyoomaa isanii argamsiisa. Ykn (2) gochimni kun “ jireenya barbaaraa” wajjiin fakkaattidha.Yaadichi filannoo duraa deggera qo'annoo jechaaf qajeelummaa irratti matduree adda 1:17 laalli.

**MATA DUREE ADDAA: MOOTUMAA WAAQAYYOO DHAALUU**

Yaadni mootomu Kiristoos wajjiinii ramaddii xinamanti dheeraa “ mootumaa Waaqayyoo” keessatti argama. Kun yaada Kakuu Moofaa waa'ee Waaqayyoo mootii dhugaa Israa'el (Isam 8:7) irraa dabarsuudha. Mallattoodhaan mootome ( Isam 8:7,10:17-12) kara hidda dhaloota Yihudaa ( Uma 49:10, fi maatii Yesuus ( 2 Sam 7)

Yesuus ittiin guutama raajii Kakuu Moofaa waa'ee masihichaati Inni Mootummaa Waaqayyoo Beetehhemitti foon uffatee gammachise mootumaan Waaqayyoos utubaa lallabaa Yesuus ta'e mootummichi guutummatti isan dhufe. ( mat 10:7,11:12,12:28 marq 1:15,Lu1 10:9,11,11:20,16:16,17:20-21)

Mootummichis fulduraa (Iskaatolojikaal) Amma tur3 garuu kana ta'e miti (Matti 6:10,8:11,16:28,22:1-14,26:29,Luq 9:27:11:2, 13:29,14:10-24,22:16,18) Yesuus jalqaba akka tajaajiltuu giduramtuuti dhufe ( isa 52:13-53:12), akka gadi jedhaatti ( (Ich 9:9) garuuu akk amooti moototaatti deebi'a (Matt 2:2,21:5,27:11-14) yaadni “ mootomuu” dhugumatti qaama ximamantii “ mootumaa” ti Waaqayyoo mootumiich ahordoftoota Yesuusiif kenneera( Luq 12:32 ilaali).

Yaadni Kiristoosi wajjiin deebi'anii mootomuu kallattii fi gaaf fiilee hedduu ni qaba.

1. Dubbisni Waaqayyoo mootummicha karaa Kiristoos warraa amaneef kenneera inni jedhu deebi'anii mootomuu ni iloaallataa? ( Maatt 5:3,10,Luq 12:32)
2. Sagalee Yesuus warra duuka buutota ka'umsaaf darbe jaaraa jalqabaa keessa amantoota hundaa ni ilaallata ( Maatt 19:28,Luq 22:28-30)?
3. Phaawuloos debi'anii jireenya kallatti motomu irratti dorgomsiise ykn galateeffatee yaadni inni bse ni jiraa? Rom 5:17, 1Qor 4:8)?
4. Akkamitti gidiraa fi deebi'anii motomuun firoomuu (Rom 8;17,2Xim 2:11-12,1Phex 4:13, Mul:9)?
5. Qabiyyeen mudhataa yeroo ammaa mootummaa Kiristoos isa ul fin aqabeeessti hiramachuudha.
   a. Lafarra 5:10
   b. Barkumaa 20:5,6
   c. Bara baraaf 2:26,3:21,22:5 fi Dan 7:14,18,27

**5:18-21**

**[18]Egaa akkuma irra-daddarbuun nama tokkichaa nama hundumaatti yakka mursiise, qajeelchuun nama tokkoo immoo namoota hundumaa firdii qajeelummaa argachiisee ni jiraachisa. [19]Akkuma abboomamuu diduu nama tokkootiin baay'een cubbamoota ta'an, abboomamuu nama tokkootiin immoo akkasuma baay'een qajeelota ni ta'u. [20]Seerri irradaddarbaa baay'isuudhaaf gidduu lixe; garuuu lafa irra-daddarbuun baay'atetti immoo ayyaanni Waaqayyoo caalaatti baay'ate. [21]Akkuma cubbuun karaa du'aa mo'e, ayyaannis karaa gooftaa keenyaa Yesus Kristos gara jireenya bara baraatti nu geessuudhaaf qajeelummaadhaan ni mo'a.**

**5:18**

**KQSAH “egaa akkuma iraa daddarbuun namaa tokkichaa nama hundumaatti yakka mursiisee”**
**KJHH “ karaa hojii qajeelummaa nama tokko kenni tolaa hundaafdhufe”**
**KQSHH “ hojiin qajeelumaa nama tokko murtii fi jireenya hundatti fide.Kunis”**

**TIV** **" bifawalfakkaatuun gochi qajeeelummaa tokko nama hunda walaboomsee" jireenya isaani kenne."**

Kun jechuun namni hundi ni fayya ( duniyima) jechuu miti lakkoofsi kunis ergaa kitaaba Roomaa fi yaada batala kanana alatti kopaatti hin jijjiiramu.Kun kan agarsiisu fayyina isa humna qabeesa karaa jireenya) du'aa ( du'aa ka'uu Yesuusiin argamuutii sanyin namaa lafeeraa wangeelaa isa qalbii diddiramnnaa fi mantiin aargameetti deebii kennu qaban ( Marq 1:15, HOE 3:16,19,20:21) Waaqayyoo hoggayu (Hoh 6:44:65) dursa fudhata, garuuu namni hundi dhuunfaan akk a deebii kennu barbaada.
(Marq 1:15:Yoh 1:12, fi Rom 10:9-13) Afeeraan isa duniyaadha (1Xim 2:4,6,2Phex 3:9,1Hoh 2:2) garuuu wanni ajaa'ibsiisaan baayyonni " hin ta'uu" jechuu saaniiti.

"Gochi qajeelummaa" (1) Yesuus jireenya guutuun abbomamuu fi Abbaa muldhisuu (2) duuti isaa adaatti baka namoota cubbannoodha.akkuma jireenyi nama tokko hunda miidhee ( walta'ina Yihudootaa, 1ya 7) akkanuma jireenyi garraanni tokko hundaaf tola.Gochi kun lameen ni cinaayyu, garuu qixxee miti hundi cubbuu Addaamiin miidhamanii jiru.,garuuu hundi jireenya Yesuusiin fayyaniru, waraa amananii kennaa murtii argatan qofati.Gcohi Yesuus cubbuu hundaa miidhe warraa amanee,kan darbe, ammaa fi kan dhufu fudhatuuf.

**5:18-19 " nama hundumatti yakka mursiise…namoota hundumaa firdii qajeelumama argachiise…baayyeen cubbamoota ta'an"** Isaan kun gaaloota cinaayina jechi "baayyee" jedhuu akka inni daangeessaa hin taane garuuu dabalataa ta'ee agarsiisu fidha. Cinaayinni walfakkaataan isa 53:6 keessaa " hundaa" fi 53:11,12 keesaa "baayyee" jedhu jira.Jchi bayyee jedhuu mira daangessu hin fayyadu afeeraa fayyina waqayyoo namoota cubbmoo ergame irratti ( waraa kalvinii fi farraisaalee)
(Passive voice)gochima laneeni hubadha hojii Waaqayyoo agarsiisu cubbuun namoota fi walitti dhufeenya amala Waaqayyoo fi akk aamala isaatti moo murtii fudhatu.

**5:19 " Abboomii dhiduun namtokko… abboomamuu namtokkoon"** Pahaawuloos yaada xinamantii Kakuu Moofaa walta'inaa fayyadama. Gochi namtokkoo hawaasa ni miidha ( Akkaan Zyyaas 7 keessati) Abboomamuu dhabuun Addaamii fi hewaan uumama hunda irratti murtii wqaqayyoo fede.9 Uma3) uumani hundi bu'aa gantumaa Addaamiin miidhame. (8:18-25) Adddunya tokkomiti.Namoonni tokkomiti.Duuti xumura jireenya biya lafaa ta'e (uma 5) kun addunyaa Waaqayyoo karoofate san miti.

Miira walta'ina Yesuus kanaan gocha abboomamu tokkon 'kalvary' kan bu'u (1) bara haarawaa 92) ummata haarawa (3) kakuu haarawa ture.. Xinamantii bakka bu'a namaa kun "taayipoolojii Addaam- Kiristoos" jedhama (filp 2,6) Yesuus Addaam lammeesodha.Inni jalqaba sababoota kufanitti

▣ **"qajeelummaa ta'e"** mata duree addaa 1:17 ilaali.

**5:20**

**KQSAH** **"seerri irradhaddarbaa baayisuudhaaf giddu lixe"**
**KJHH** **" irraa caalaa seerri kan lixe yakka bayyisuu fi"**
**KQSHH** **" garuuu seerri dhufe, irraa daddarbaanis ni baayyate"**
**TIV** **" doggora baayyisuu fis seerri tumame"**
**KQJ** **" yoo seerri dhufu carraa kufaatii bayyisuu fi"**

Akeekni seeraa gonkumaa nama fayyisuuf miti. Garuuu fedhaa fi hirkattummaa sanyi namaa agarsiisuuf maleee .(Efs 2:1-3) fi gara Kiristoositti fiduuf ( 3:20,4:15,7:5, Gal 3:19,23-26).Seeri gaariidha, garuuu sanyiin namaa cubbamoodha.

▣ **"ayyaanni Waaqayyoo caalati baayyate"** kun dheebuu Phaawuloos kutaa kanaati.Cubbuun suukkanneessaa fi daddarbaadha, garuuu ayyaanni baayyate hacuuccaa isarraa darbe.Kun karaaitti waldaa jaarraa duraa keesaa jirtu jajjabeessanidha.Kiristoosii iraa aantoota ( 5:9-11,8:30 ilaali

**5:21** lameen "cubbuu" fi "ayyaanni" akka mootiitti namoomani jiru. Cubbuun humna dhuuniyaa du'aan mootome ( Lak 14,17) Ayyaanni kan mootome karaa qajeelummaa argamee, karaa hojii Kiristoos xumuramee, karaa amantii dhuunfaa amantootaa fi qalbi diddiramaa gara wangeelaaniti.

Akka saba Waaqayyoo haarawaatti, akka qaama Kiristoositti kiristaanonni deebi'ani ni mootomu.(5:17,2Xim 2:12, Mul 22:5) kun akk amootumma abiyya lafaa ykn barkumaa fakkaata (Mul 5:9-10,20) kitaabni qulqulluu dhugaa walfakkaataa kan adubbata mootummichi qulqullootaalee akk akennamu mirkansuun 9 Matt 5:3,10,Luq 12:32,Efs 2:5-6) mat duree addaa.Mootumaa Waaqayyoo deebisani dhaaluu 5:17 ilaali.

**Gaaffilee mariidhaa**

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti. Kanaafu hiikkaa keetiif itti gaafatamaadha. Tokkoon tokkoo keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni qulqulluu kee fi afuurri qulqulluu hiikkaa keessatti dursitoota. Ibsaa wajjiin walitti laaquun hin qabdu.

Gaaffileen marii kun dhimmoota gurguddoo kutaa kitaaba kanaa irraatti akka xiyyeeffattu sigargaaruuf kan qophaa'edha. Isaanis ilaalcha dadammaqsuuf maleee ibsa kan barbaadan miti.

1. "Qajeelummaa" Waaqayyoo ibis.
2. Garaagaruummaan "xinamantii" eebba gitaa" fi "eebbaa dagaagaa" gidduu jiru maali?
3. Nuyi kan fayyinee ayyaanaani moo amantinii? (Efs 2:8-9)?
4. Maaliifi kiristiyaanni gidiraa arguu?
5. Nuyi <u>fayyineeraa</u> moo, ykn <u>fayyaadha</u> moo, <u>ni</u> <u>fayyinaa</u>?
6. Nuyi cubbamoota waan cubbineef ykn cubbuu goonaa waan cubbamoota taanneefii?
7. Akkamitti jechoonni "qajeelummaa" "fayyinaa" fi "araarri" boqonnaa kana keessatti firoomuu?
8. Maaliif Waaqayyoo cubbuu nama biraaf sanuu waggaa kumaantama duraa jiraachaa tureef itti gafatamaa na godhee (lak 12-21)
9. Namotnii addaamii fi Muusee gidduu jiran eegi cubbuun hin lakka'amu ta'ee (Lak 13-14) bara san maaliif du'anii?
10. Jechoonni "hunda" fi "baayyee" fakkaattidhaa? (Lak 18-19, Isa 53:6, 11-12).

# ROOMAA 6

| HIRAMSA BUUFATAA HIIKKAA HAMMAYYAA | | | | |
|---|---|---|---|---|
| YBS[4] | KJHH | KQSHH | TIV | KQJ |
| Cubbuun du'anii garuuu kiristoosiin fayyan | Cubbuun du'an Waaqayyoof jiraatan | Du'uufi ka'uu Kiristoos wajjin | Cubbuun du'anii garuuu Kiristoosin fayyan | Cuuphaa |
| 6:1-11 | 6:1-14 | 6:1-4 | 6:1-4 | 6:1-7 |
| | | 6:5-11 | 6:5-11 | |
| | | | | 6:8-11 |
| | | | | Qulqullummaa: Cubbuu gooftaa miti |
| 6:12-14 | | 6:12-14 | 6:12-14 | 6:12-14 |
| Garboota qajeelummaa | Garbumma cubbuu irra gara garbaa Waaqayyootti | Garbummaa lameen | | Kiristaanni gabrummaa cubbu jalaa bahe |
| 6:15-23 | 6:15-23 | 6:15-19 | 6:15-19 | 6:15-19 |
| | | | | Badhaasa cubbuufi badhaasa qulqullumma |
| | | 6:20-23 | 6:20-23 | 6:20-23 |

**MARROO DUBBISA SADII**
***FEDHA BARREESSAA KA'UMSAA SADARKAA BUUFATAATTI HORDOFUUN***

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti. Kanaaf hiikkaa kitaaba Qulqulluu keetiif ittigaafatamoodha. Tokkoon tokko keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni quqlulluu keetiifi afuurri qulqulluu hiikkaa keessatti dursitoota. Ibsa wajjiin walitti laaquu hin qabdu.

Boqonnicha taa'umsa tokkoon dubbisi. Dhimma isaa addaan baafadhu. Hiramsa dubbi kee hiramsa hiikkaaleen shaman olitti ibsamanii jiran wajjiin birqabii ilaali. Buufanni afuurahuun miti, garuuu fedha barreessaa ka'umsaa hordofuun furtuudha, sun moo ifa hiikkooti. Buufanni dhimma tokkoofi tokko qofaa qaba.

1. Buufata duraa
2. Buufata lammeessoo
3. Buufata sadeessoo
4. kkf

**ILAA QABIYYEE**

A. Boqonnaan 6:1-8:39 jiru ilaalcha gumaa'e (gumi barruu) waa'ee walitti dhufeenya cubbuufi kiristaanummaa uuma. Kun dhimma barbaachisaadha sababni isaas wangeelli ayyaana eebba tolaa Waaqayyoo irratti hundaa'ee karaa Kiristoos (3:21-5:21) kanaafu cubbuun akkamitti amantoota miidhaa? Boqnnaan 6 gaaffiilee lama irratti bu'ura'a. lak 1 fi 15. Lakkoofsi 1 fi 5:20 ni firooma, wayita lak 15 fi 6:14 firooman. Inni duraa akka mala jireenyaatti cubbuutti firooma; (henna ammaa) inni lammataa gocha cubbuu dhuunfaa ti. Lak 1-14 walabooma amantootaa cubbuu jalaa yoo ta'u lak 15-23 walabooma amantootaa Waaqayyoon tajaajiluu ilaallata akkuma dur cubbuu tajaajilan waliigalaan, hundumaaniifi garaa guutuudhaani.
B. Eebbifamni lameenii:

1. gita (akka fayyina qajeelummaani 3:21-5:21)
2. fakkeenya kiristoosummaa dagaagu
   a. 6:1-8:39 dhugaa kana xinamantiin ibse
   b. 12:1-15:13 hojiin ibse (mataduree addaa 6:4 ilaali)

C. Komnitaataroonni dhimma qajeelummaafi gita eebbaa akka hiikkaa kitaaba Quqlulluu baruu isaan gargaaruuf baqaqsu danda'u. Dhugumatti lameenu walduukaa gocha ayyaanaati (gita 1Qor 1:30; 6:11). Toftaan lameenu wal fakkaata- ayyaanni Waaqayyo jireenyaafi du'a Kiristoos keessaan muldhate isa amantiin argamu (Efs 2:8-9)

D. Boqonnaan kun kan barsiisu bilchina (cubbu dhabuummaa Yoh 3:6, 9; 5:18) ijoollee Waaqayyoo Kiristoosinidha. Boqonnaa 7 fi 1Yoh 1:8-2:1 cubbamuun amantootaa itti fufuu agarsiisa.

Waldhabbiin ilaalcha Phaawuloos dhiifamarratti qabu dhimma haamilee wajjiin firooma. yihudooni, haaronni seera Muusee akka mirkansanii gaafachuudhaan jireenya Waaqayyoo barbaadu. Muraasni ilaalcha Phaawuloos akka hayyamaatti cubbuutti fayyadamu (lak 1, 15; 2Phex 3:15-16) Phaawuloos afuurri jiraataan, wanna alarra miti, hordoftoota Kiristoosiin fakkaatanijiraatan akka hoomishu ni amana. Dhugumatti garaagaruummaan kakuu Moofaa Deb 27-28) fi kakuu haarawaa (Erm 31:31-34; Hiz 36:26-27) is kanadha.

E. Cuuphaan agarsiisa qajeellumm/eebba dhugoma afuuraa qaama irrattiti. Roomaa keessatti lameen doktiriinaa eeb/qajeelummaa gitaafi eebba shaakalaa (Kiristoosin fakkaachuu) xiyyeen itti kennameera. Wajjiin awwaalame (lak 4) fi "isa wajjiin fannifame" cinaayina (lak6)

F. Furtuun ittin qorumsaafi cubbu jireenya Kiristaana keessaarra aanamu.
1. Kiristoosin eenyu akka taate beeku. Maal akka siif hojjete beeku. Ati cubbuurra walaba. Ati cubbut du'aadha.
2. Jireenya kee guyyuutti gita kee Kiristoosiin herregadhu.
3. Nuyi kan ofi keenya miti. Gooftaa keenyaa tajaajilu/abbomamuu qabna. Nuyi isa nu kabajuufi nu jaallatu jaalalaan tajaajilla/abboomamna.
4. Jireenyi Kiristaanaa jireenya umama gararraati. Akkuma fayyinaa kunis kennaa Waaqayyo isa karaa Kiristoosi. Humna isaa ni kakaasaa, ni kenna. qalbi diddirrannaafi amantiif ka'umsaafi itti fufiinsaan deebi kennu qabna.
5. Cubbutti naannooftee hin taphatiin. Waan inni ta'etti of daangeess. Irraa gargal, baqadhu. qurumsa irra of hin buusiin.
6. Cubbuun barmaatile cabuu danda'udha, garuuu yeroo fudhachuu, humnaafi fedha gaafachu danda'a.

**Qo'annoo jechaafi gaalee**

**6:1-7**

**[1]Egaa ayyaanni Waaqayyoo akka baay'atuuf, cubbuutti jiraachuu itti fufnajennaa ree? [2]Kun matumaa hin ta'u!Nuyi warri cubbuu jalaa duune, si'achi attamitti cubbuu jala jiraanna ree? [3]Yookiis nuyi warri Kristos Yesusitti dabalamuudh~af cuuphamne, du'a isaattis isatti dabalamuudhaaf akka cuuphamne ni wallaaltanii ree? [4]Nuyi cuuphamuudhaan du'a isaatti isatti dabalamnee isaa wajjin awwaalamneerra; Kristos humna abbaa isa ulfina-qabeessaan warra du' an keessaa akkuma kaafame, nus immoo jireenya haaraa tti ni j iraanna. [5]Akkuma du'a isaatti isaa wajjin walitti dabalamne, akkasuma du'aa ka'uu isaattis isaa wajjin walitti ni dabalamna. [6]Nuyi deebinee garba cubbuu akka hin taanetti, dhagni inni cubbuu hojjetu akka badduu baafamuuf, namummaan keenya inni moofaan isaa wajjin akka fannifame ni beekna. [7]Namni yommuu du'u humna cubbuu jalaa irl"ba'a.**

**6:1**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"Egaa Ayyaanni Waaqayyoo akka baayyatuuf cubbuutti jiraachuu itti fufna jennaaree?** |
| **KJHH** | **"Akka ayyaanni baayyatuuf cubbuutti jiraachu qabnaa"** |
| **KQSHH** | **"Akka ayyaanni baayyatuuf cubbuutti jiraachuu itti fufnaaree?** |
| **TIV** | **"Hanga cubbuutti jiraachu itti fufnen ayyaanni Waaqayyo ni dabalaaree?** |
| **KQJ** | **"Akka ayyaanni Waaqayyo ol guddatuuf nuyi cubbuu keessa turuun itti fufu qabaaree?** |

Kun (present active subjunctive) dha. Gaaffii ni gaafaa. Kiristaanni "obsaan turuu" ykn cubbuu "ammachuu" qabuu? jedha. Gaaffiin kunis gara 5:20ti duubatti nu deebisa. Phaawuloos waan aadbuura (dubbin

tuqa)ti fayyadamee waa'ee ayyaana dogoggora jiru ibsuu yaale (1Yoh 3:6, 9:5:18) Ayyaanaafi araarri Waaqayyo jechuun jireenya gantummaaf hayyama kennuu jechuu miti.

Wangeelli Phaawuloos fayyina tolaa akka kenna ayyaana Waawayyootti kara Kiristoos (3:24; 5:15, 17; 6:23) jedhu gaaffilee hedduu waa'ee qajeelummaa mala jireenyaa kaaseera. Akkamitti kenni tolaa qajeela hamilee fidaree? Qajeelummaafi eebbi adda hin bahan (Matt 7:24-27; Luq 8:21; 11:28; Yoh 13:17; Rom 2:13, Yon 1:22-25; 2:14-26)

Qabxi kana irratti F.F Biruusee: Apostle of the Heart Set Free" kitaabasaa keessatti "cuuphaan kiristaanotaa jireenya isaani dulloomaa deebi'ee hin kaaneefi jireenya isaani amma kiristoosiin qaban giddu jiru walitti qabee dhaabbata: Innis isa duritti akka du'an, kanaafmoo kiristaana cuuphameef cuubbu keessa deemuun waan faayidaa hin qabne akka gabra walabooma deebi'ee gooftaasa durii jala turuu barbaaduuti. (Rom 6:1-4, 15-23) ykn bosortii "seera dhirsaa" jalatti haftuuti" ful 281-82 (Rom 7:1-6)

Kitaaba Jamsi S. Stewart "A Man in Christ" keessatti "The Locus Classical" jedhe warra gama yaada ergamicha jiran Rom 6 keessatt argama. Achitti Phaawuloos humnaafi jabinaan, duuti Kiristoos jechuun mantootaaf guutummatti cabbina cubbuu akka ta'e agarsiisa" ful 187-88

**6:2 "kun matumaa hin ta'u"** isa caaslugaan fedhe ykn kadhataaf itti fayyadame. Karaa Phaawuloos ittin gaaffilee aadbuuraa ittiin deebisedha. Rifaatuufi jeequmsa Phaawuloos namoota hin amaniin jiran irratti isa isaan ayyaana xureessaniifi dogoggoran irratti qabu agarsiisedha (3:4,6)

▣ **"nuyi warri cubbuu jalatti dune"** kun (aorist active indicative) dha. jechuun "duunee jirra" boqonnaa kana keessatti "cubbuun" irra deddeebi'ame jira. "Umama cubbamoo" keenya isa Addaam irraa dhaalle (Rom 5:12-21, 1Qor 15:21-22) agarsiisuufidha. Phaawuloos yaada du'aa irra deddeebi'e akka tuqatatti amantoonni walitti dhufeenya haarawaa Yesuus wajjiin qaban agarsiisuuf fayyadameera. Kana caala isaan gooftaa cubbuutti dhimma miti.

▣ **"si'achi jala jirranna"** kun "tarkaanfachu"dha. Dubbin tuqxii kun ykn amantii mala jireenya keenyaa (Efs 4:1; 5:2,15) ykn cubbuu mala jireenya keenya (lak 4) jala muruu barbaadeeti. Amantoonni cubbuutti hin gammadan.

**6:3-4 "warri cuuphamne …. du'a isaattis"** kun (aorist passive indicative)dha caaslugni kun hojii xumurame, xumurri isaas waan alaan kan ta'e asitti afuuricha, irratti kan xiyyeeffatudha. Yaada kana keessatti cinaayisumma qabu.

**MATADUREE ADDAA : CUUPHAA**

Kurtiis Vayugaan, Hojii Ergamootaa, miiljalee gammachiiftuu ful 28 irraa ni qaba.

"jechi Giriik 'cuuphaa' gochima ajaja nam sadaffaa agarsiisuu; jechi "qalbii diddiranna" gochima ajaja nam lammaffaati. Jijjiiramni "cuuphaa"ti godhamu kan agarsiisu fedhiin Pheexroos duraa qalbii diddiranna ta'uusaati."

Kunis xiyye lallaba Yohaannis cuuphaa (Matt 3:2) fi Yesuus (Matt 4:17) Qalbii diddirannaan furtuu afuuraafi cuuphaan ammooo jijjiirama afuuraa kana alatti baafannaa fakkaata. Kakuun haarawaa waa'ee amantoota hin cuuphamnee homaa hin beeku waldootii ganamaaf cuuphaan hojii hawaasaa amantiiti. Haala kakuu hawaasa keessatti gaggeeffamu, Kiristoositti amanuu, dha malee toftaa fayyina miti. Lallaba Pheexroos isa lammataa keessatti cuuphaa akka hin tuqamiin qalbii diddiramaanilee hubadha. (Matt 3:13-18). Cuuphaan Yesuusiin abboomame (Matt 28:19). Gaaffii hammayyooma kan ta'e barbaachisummaan cuuphaan fayyinaaf jedhu kakuu haarawaa hin tuqamne; amantoonni hundi cuuphamu qabu. Haa ta'uti, raawwii irbaata quqlulluuf dhaabachuus ni barbaachisa. Fayyinni dhimma amantiiti, malee dhimma iddoo-sirrii, sagalee-sirriifi hojii safuu sirrii miti.

▣ **"gara Kiristoos Yesuusti"** Itti gayyadamni eis (gara) ergma guddaa Matt 28:19 irra wajjiin ni cinaaya, iddootti amantoonni haarawaa cuuphaman eis (gara) maqaa Abbaan, maqaa ilmaafi maqaa Afuura qulqulluun. Durgaallichis amanoota afuuraan cuuphamani gara qaama Kiristoositti dabalaman 1Qor 12:13 agarsiisuuf fayyade. Kun en (Kiristoosiin) isa jedhuun moggoyoodha. Lak 11 keessatti karaa Phaawuloos amantoota agarsiisuu filatu sanaanidha. Amantoonni Kiristoosiin jiraatu, deemuufi namoomu. Durgaalichi walitti dhiyeenya gamtaa kana agarsiisa, samii waloomaa, hiddaafi baalooma. Amantoonni Yesuus adda baafatanii du'a

isattis walin ta'u (lak 6;8:17), du'aa ka'uu walin ta'u (lak 5). Waaqayyoof abboomamu isaatti walii ta'uufi Mootoma isattis walin

▣ **"du'a isaattis…dabalamne"** cuuphamuun keessa bu'atii du'aafi awwaalcha agarsiisa. (Lak 5 fi Qol 2:12) Yesuus cuuphaa akka dubbi dalgaati du'asaa ittin agarsiise (Marq 10:38-39, Luq 12:50). Asitti xiyyeen doktiriina cuuphaa osoo hin taanee kiristaanotaaf, haarawaa, walitti dhufeenya maxxameefi du'aafi awwaalcha Kiristoosdha. Amantonni cuuphaa Kiristoos, amala isaa, aarsaa ta'u isaa, ergamuu isaa addaan baafatu. Cubbuun amantoota irratti humna hin qabu.

**6:4 "Nuyi cuubamuudhaan du'a isaatti dabalamne."** Boqonnaa koma keessatti, akkuma amala barreeffama Phaawuloos, suna (wajjin) tisheesse itti fayydameera. (Efs 2:5-6)

1. Sun +Thapti =wajjin -awwalame, lak; !ol 2:12 fi yaadanno, 8
2. Sun+Stauroo=wajjin- biqile, lak 5
3. Sun+azo= wajjin- jiraata lak 8; 2Xim 2:11 (akkasumas wajjin du'eefi wajjin ka'ee qaba)

▣ **"nuyis ammooo jireenya haarawaatti ni jiraanna"** kun (aorist active subjunctive)dha. Fiiriin fayyinaa eeggamu eebbadha. Sababa amantoonni ayyaana Waaqayyoo karaa Kiristoos beekaniif jireenyi isaani addadha. Jireenyi keenya haarawaa fayyina nuuf hin fidu, garuuu innumtu bu'aa fayyinaafi. (lak 16, 19; fi Efs 2:8-9,10, Yonas 2:14:26) kun gaaffii ni ta'aa, hin ta'u amantii ykn hojii miti. Garuuu tartiiba deemsaatu jira.

**MATADUREE ADDAA : EEBBA**

Kakuu Haaraa yogguu cubbamtoonni gara yesuusiitti qalbii diddiranaafi amantiin garagaalan battaluma san qajeelummaafi eebba akka argatan ni mirkaneessa. Kun kiristoosiin iddo saani isa haarawaadha. Qajeelummaan isaa isaanitti qica. (Rom 4) Isaanis qajeelaafi qulqullu ta'un isaanii labsama. (qoranno hojii Waaqayyoo)

Kakuu Haaraa amantoota gara quqlullummaafi qajeelummaatti ni yaama. Lameen gita xinamantii hojii Kiristoos Yesuusiin xumurameefi amalaan Kiristoosiin fakkaachuuf yaamamuufi jireenya hoggayyu keessatti gochudha. Akkuma fayyinni kenna tolaafi gatii waan mala jireenyaa akka ta'e, daranimoo, eebbadha.

| <u>Deebii ka'umsaa</u> | <u>fakkeenya Kiristoos dagaagaa</u> |
|---|---|
| HoE 20:23; 26:18 | Rom 6:19 |
| Rom 15:16 | 2Qor 7:1 |
| 1Qor 1:2-3; 6:11 | 1Tas 3:13; 4:3-4, 7; 5:23 |
| 2Tas 2:13 | 2Xim 2:21 |
| Ibroota 2:11; 10:10, 14; 13:12 | Ibr 12:14 |
| 1Phex 1:1 | 1Phex 1:15-16 |

▣ **"Kiriistoos warra du'an keessaa kaafame"** yaada kana keessatti fudhachuun hojiifi sagalee ilmaa mirkansuuni Abbaadhaa ta'atee gurgudda lamaan ibsame.

1. Yesuus, du'aa keessaa ka'uusaa
2. Yesuus mirga abbaati ol ba'uusaa

▣ **"humna abbaa isa ulfina qabeess"** "ulfinaaf" mataduree addaa 3:23 ilaali. "Abbaa"f mataduree addaa 1:7 ilaali.

**6:5 "yoo"** kun (first class conditional sentence) dha isa kallattii barreessichaa ykn akeeka barruuf dhugaadha jedhamee tilmaama. Phaawuloos dubbistoonni isaa akka amantoota ta'e ni tilmaama.

**"isa wajjiin walitti ni dabalamna"** kun (perfect active indicative) dha ture moo tokko ta'uuf itti fufe" ykn ture moo tokkummaan biqiluuf itti fufe' jedhame hiikkama. Dhugaan kun xinamantiin "obsuu" wajjiin walfakkeenya qaba. (Yoh 15 keessatti) yoo amantoonni du'a Yesuusiin adda bahan (Gal 2:19-20; Qol 2:20; 3:3-5), akka xinamantiin du'aa ka'uu isaattis adda ni bahu. (lak 10)

Dubbiin dalgaa cuuphaa akka du'aatti dhiyaachuun (1) jireenya dulloomaa, kakuu moofaaf dune (2) afuuratti fayyine kakuu haarwa. Cuuphaan kiristaanaa akka cuuphaa isa kan Yohaannis cuuphaa miti, raajicha xumuraa Kakuu Moofaa. Cuuphaan carraa waldooli ganama amantoota haarawaa ittin amantisaanii hawaasaan gahan ture. Foorumulaan cuuphaa durii, kan kadhimanaan irra deebi'amu, "nin amana Yesuus Gooftaadha' (Rom 10:9-13) kan jedhu ture. Hawaasa beeksisuun waanuma jiraa, barmaatilee dur ta'aa turedha. Cuuphaan toftaa

dhiifamaa, fayyinaa ykn dhufaatii afuuraa miti, garuuu jila ittin hawaasa beeksisaniif waadaa galchanidha. (HoE 2:38) Haata'uti, akkasumas filannoo miti, Yesuus ajajeera (Matt 28:19-20), fi fakkeenya godhateera (Matt 3, Marq 1, Luq 3) fi akkasumas qaama lallaba ergamtootaafi adeemsa hojii ta'eera.

**6:6**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"namummaan keenyi inni moofaa isa wajjiin akka fannifame ni beekna.** |
| **KJHH** | **"dullummaan keenya isa wajjiin akka fannifame ni beekna.** |
| **KQSHH** | **"akka namummaan keenya inni durii isa wajjiin fannifame ni beekna.** |
| **TIV** | **"ni beekna, namummaan keenya dulloome du'ee Kiristos wajjiin fanniifameera.** |
| **KQJ** | **"namummaan keenya durii fannifamuusaa isa wajjiin hubachu qabna.** |

Kun (aorist passive indicative) jechuun" namummaan keenya inni moofaa isa dhumaaf afuuraan fannifameera. Dhugaan kun jireenya kiristaanaa injifannoon gaheef murteessaadha. Amantoonni walti dhufeenya harawaa cubbutti qaban hubachu qabu (Gal 2:20; 6:14). eenyummaan namootaa inni dulloomaa moofaa (Umama Addaan) Kiristoos wajjiin du'eera. (lak 7; Efs 4:22; fi Qol 3:9) Akka amantootaatti amma filannoo waa'ee cubbuu akka Addaan ka'umsaa qabna.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KJHH** | **"dhaqni inni cubbu hojjetu akka baddu baafamu"** |
| **KQSHH** | **"dhaqni inni cubbu du'ee akka badu"** |
| **TIV** | **" humni cubbamaan akka balleeffamuuf"** |
| **KQJ** | **"qaama cubbamaa ta'e balleessuudhaaf"** |

Phaawuloos jecha "dhaqna" (*soma*)jedhu gaalee genetivii kana yeroo heddu fayyadameera.

1. dhaqna inni cubbuu hojjete Rom 6:6
2. foon isa du'atti Rom 7:24
3. dhaqna foonii (Qol 2:11)

Phaawuloos waa'ee jireenya bara kanaa cubbamaafi ganiinsa dubbata. Qaamni du'aa ka'uu Yesuus inni haarawaa qaama haarawaa bara qajeelummaati (2Qol 5:17) Dhaqnoomuun rakkoo miti (falaasama Giriikotaa) cubbuufi ganiinsa malee. Daqni amajaajii miti. Kiristaanonni dhaqna jireenya bara baraa keessatti jedhu amanticha ni mirkansu. (1Qor 15) Haata'uti, dhaqni dirree waraana qorumsaa, cubbuu fi dhuunfaati.

Kun (aorist passive subjunctive)dha Galeen kun "fannifame" inni jedhu "hojjechu dhaaba" "humna dhabe" ykn "bu'aa dhabe "jechudha malee" dhabame jechu miti. Kun jec ha Phaawuloos bareedaa, yeroo digdamii shan itti fayydamedha.

Mataduree addaa 3:3 ilaali. dhaqni keenya akka haamileeti walaba, garuuu waldiddaa afuuraa itti fufee jiruuf garuuu dirree waraanaa ta'eera. (lak 12:13; 5:12-21; 12:1-2)

**6:7** Kun (aorist active participle) fi (perfect passive indicative ) dha jechunis "Inni Inni elu'e fi cubbuu irraa walaba ta'e" sababa amantoonni Kiristoosin uumama harawaa ta'aniif gabrummaa cubbuu jalaa walaboomaniiran, waan Addaam irraa kufaati dhaalanittis ni walaboomu (7:1-6)

Jechi Giriik addanatti "Walaba" ta'e kun boqonnaa duraafi iddoo kaanitti akka "qajeelatti" (ASV) hiikkamedha. Yaada kana keessatti "walaboome" inni jedhu miira qaba (akka hiikka isaa HoE 13:39 keessaa). Yaadni ergaa hiikkaa jechaa akka jijjiiru hin dagatiin. Kun garuuu hiikka isaa guuboo jechootaa ykn hiikka teekinikaa isa jechuu miti. Jechoonni hiikkaa hima keessatti qabatu; Himti moo boofata keessatti hiikkaa godhata.

**6:8-11**

**[8]Kristosii wajjin yoo duune garuuu, Kristosii wajjin immoo akka jiraannu ni amanna. [9]Kristos warra du' an keessaa erga kaafamee, deebi'ee akka hin duune, duunis si'achi isa irratti gooftummaa akka hin qabne beekna. [10]Du'a al tokko, waa'ee cubbuutiif du'e; jireenya isaa ammaa immoo Waaqayyoof ni jiraata. [11]Isinis immoo akkasuma akka warra cubbuujalaa du'anii, karaa Kristos Yesus Waaqayyoof jiraataniitti of lakkaa'aa!**

**6:8 "yoo"** kun (first class conditional sentence) dha, isa kallatti barreessichaan ykn akeeka barreeffamichaan dhugaadha jedhame ni tilmaama. Cuuphaan amantootaa du'a nama Kiristoosiin ni fakkeessa.

▣ **"nuyi isa wajjiin ni jiraanna"** yaadni kun "asiifi amma" (1Yoh 1:7) ni gaafata, malee waan adda bahee fulduratti ta'u miti. Lakkoofsi 5 du'a Kiristoositti hirmaachu keenya yoo dubbatu, lak 8 moo jireenya isaatti hirmaachuu keenya dubbata. Kun muddama yaada mootummaa Waaqayyoo kitaaba Qulqulluu keessaa jiru dhaala. Innis asiifi ama, darbee fuuladura. Ayyaanni tolaa of to'annoo malee hayyama uumuu hin qabu.
**6:9 "warra du'an keessaa kaafamuun"** kun (aorist passive participle)
dha. 6:4, (aorist passive indicative) ilaali

Kakuu Haaraa sadeen Waaqa tokkummaa du'aa ka'auu Kiristoositti ni mirkansu. (1) Afuura quqlulluu (Rom 8:11) (2) ilma (Yoh 2:19-22; 10:17-18) fi irra deddeebi'auun (2) Abbaan (HoE 2:24, 32; 3:15, 26; 4:10; 5:30; 10:40; 13:30, 33, 34, 37; 17:31, Rom 6:4, 9) Gochi Abbaadha mirkansa fudhatama Yesuus, jireenyasaa, du'asaafi barsii isaati. Kun kallatti guddaa lallaba ergamtoota ganamaa ture. Mataduree Addaa The kerygmao 1:2 irra jiru ilaali.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"duuti kana caala irratti hin gooftomu"** |
| **KJHH, KQSHH** | **"duuti kana booda irratti humna hin qabaatu"** |
| **TIV** | **"duuti kanarra aangoo irratti hin qabaatu"** |
| **NKQJ** | **"duuti humna kanarra irratti hin qabaatu"** |

Gochimni kurievo jedhu jecha Kurios jedhu irraa yoo ta'u, "abbaa qabeenyummaa" "alaqaa" "dhirsa" ykn Gooftaa jechudha. Yesuus amma du'arratti gooftaadha. (Mul 1:18). Humna du'aa cabsutti Yesuus isa jalqabaati (1Qor 15)!

**6:10 "du'a inni du'eef sun, du'a cubbuuti"** Yesuus biyya lafaa cubbuun guutamte keessa darbee garuuu inni hin cubbine, biyyi lafaa cubbmtuun garuuu isa fannifte. (Ibro 10:10) Duuti Yesuus bakka bu'un ilmaan namootaaf du'e ulaagaa seeraafi waan hordofee jiru hunda haqe (Gal 3:13; Qol 2:13-14)

▣ **"takkuma hanga dhumaatti"** yaada kana keessatti Phaawuloos fannoo yesuusiif xiyyeeffanno kenna. Duutii isaa inni cubbuuf si'a tokko du'e du'a cubbuu hordoftoota isaa miidha.

Kitaabni Ibroota du'aa aarsaa takka ta'een kan Yesuusin hanga bara dhuma hin qabneti ta'e irratti xiyyeeffannoo kenna. Fayyinniifi dhiifamni takkituma godhame kunis hanga yoomumaatti ("takkitti" (ephapax) 7:27; 9:12; 10:10) fi takkuma hanga dhumaatti " [hapax], 6:4; 9:7, 26, 27, 28; 10:2; 12:26, 27) xumurame kun kan dhiyeenyatti xumurame aarsaa mirkanaati.

▣ **"Garuuu jireenya inni jiraate, Waaqayyoof jiraate"** lameen aorist lak 10 isa (present active indicative) lak 10b irra jiru wajjin morkatadha. Amantoonni Kiristoos wajjiin du'aniiru, amantoonni karaa Kiristoos Waaqayyoof jiraatu. Galmi wangeela dhiifama (qajeelummaa) qofa miti, Waaqayyoon tajaajiluu (eebbifamu) malee. Amantoonni akka tajaajilaniif fayyaniiru.

**6:11 "ufillee cubbuutti aka duutani ture of yaadadha"** kun (present middle imperative)
dha. Kun abboomii ta'aa jiru, baratame amantoota irratti ta'edha. Kiristaanonni Kiristoosi bikkasaanii hojii inni hojjete beekuun jireenyasaanii guyyuuf murteessadha. Jechi "qalbifachu" (4:4,9) jedhu jecha herrega ta'eeti "of eeggannoon ida'uu" fi beekomsa Kiristoosin qabu (eebba gitaa) yoo hubachiisu, lak 12-13 moo isaan tarkaanfachuu danda'uu (eebbifame dagaaginaa) xiyyeeffannoo kenna. Mataduree addaa lak 4 ilaali.

**6:12-14**

**[12]Ammas cubbuun warra kajeellaa fooniitiif abboomaman akka isin hin godhannetti, dhagna keessan isa du'e keessatti isa hin moosisinaa ! [13]Bu' aa dhagna keessanii mi' a jal' inaa gochuudhaaf harka cubbuu jala hin galchinaa! Garuuu akka namoota warra du'a keessaa ba'anii jireenya argataniitti, Waaqayyoof of kennitanii, bu'aa dhagna keessanii mi'a qajeelinaa gochuudhaaf harka Waaqayyoo jala galchaa! [14]Isin seera jalatti qabamtanii kan jiraattan utuu hin ta' in, ayyaana Waaqayyoo jala waan jiraattaniif cubbuun isin irratti gooftummaa hin qabaatu.**

**6:12 "Egaa cubbuun dhaqna keessan jiraataa irratti akka mootomu hin godhiinsaa"** kun (present active imperative) dha hiikkaansaas hojii adeemsa jiru dhaabsiisuu jechudha. Jechii "mootomuu", 5:17-21 fi 6:23 ti

firooma. Phaawuloos yaada xmamantii hedduu namoomsee haasa'a. (1) duuti akka mootiitti mootame (5:14, 17; 6:23) (2) ayyaanni akka Mootiitti mootame, (5:21) fi (3) cubbuun akka mootiitti mootome (6:12, 14). Gaaffiin inni dhugaa eenyutu jireenya keessanii keessatti mootomeedha. Amantoonni filachuuf humna Kiristoosiin qabu. Wanni gaddisiisaan, namoota dhuunfaaf, waldoolee naannoof, mootummaa Waaqayyoof amantoonni yeroo ofii fi cubbuu keessaa filatan ayyaana komataati.

**6:13 "yaama dhaqna keessanii cubbuutti dabarsitanii kennuun hin deddeemiinaa"** kun( present active imperative)dha hiikkaansaas hojii adeemaa jiru dhaabsiisuu jechudha. Kun kan agarsiisu jireenya amantootaa keessa humni cubbuuf qophaa'eedha. (7:1, 1Yoh 1:8-2:1) Garuuu jireenyi cubbuu walitti dhufeenya amantoonni Kiristoosiin qabaniin dhabameera. Lak 1-11ti.

▣ **"akka meeshaatti"** jechi kun akka meeshaa waraanaatti" ilaallama. Dhaqni keenya akka dirree waraanaa qorumsaatti ilaallama. (lak 13013; 12:1-2; 1Qor 6:20; Rilp 1:20) Dhaqni keenya wangeela biyyatti muldhisa.
▣ **"garuuu ofii keessan Waaqayyotti of kennaa"** kun aorist active imperative (ariifachiisaa) dha hojii murteessaaf yaamicha godhame. (12:1) kana amantoonni fayyina amantiin godhu guru kanas bara jireenya isaanii guutuu itti fufanii godhuu qabu.

Dinaayina lakkoofsa kanaa ilaalaa

1. gochima takkaafi lameen goochimaa fi ariifachiisaa( imperative)dha
2. Waraanni dubidalgaa ta'u
   a. meeshaa qajeelummaa hin taane
   b. meeshaalee qajeelummaa
3. amantoonni dhaqnasaanii cubbuutti ykn Waaqayyootti of kennu lakkoofsi kun amantoota agarsiisa-filannoon itti fufeera, lollis ittuma fufee jira.

**6:14 "cubbuun isinirratti gooftaa akka hin taane"** kun (future active indicative) dha, akka ariifachiisaa ti tajaajila. "cubbuun isinirratti gooftaa ta'uu hin qabu" cubbuun amantoota irratti gooftaa miti sababniisaas Kiristoos irratti maan hin gooftomneefi) (lak 9, Yoh 16:33).

**6:15-19**
**[15]Egaa seera jalatti qabamnee kan jiraannu utuu hin ta'in, ayyaana Waaqayyoo jala waan jiraannuuf, cubbuu hojjennuu ree? Kun matumaa hin ta'u. [16]Waan tokko of irratti gooftaa godhattanii harka isaa jala yoo of galchitan, isin wanta sanaaf garba akka taatan hin beektanii ree? Cubbuudhaaf yoo abboomamtan du'aaf, Waaqayyoofyoo abboomamtan qajeelinaaf ni bultu. [17]Waaqayyoon galanni haa ga'u! Isin dur garboota cubbuu turtan; amma garuuu qomoo barsiisa keenyaa isa itti kennamtan sanaaf garaa guutuudhaan abboomamtaniittu. [18]Cubbuu jalaa luba baatanii, hojjetaa qajeelinaa taataniittu. [19]Sababii dadhabbii keessaniif jedhee akka isin hubattanitti nan dubbadha; akkuma kanaan dura gad-dhiisatti jiraachuudhaaf bu'aa dhagna keessanii xuraa'ummaadhaa fi seera malee jiraachuu jala galchitanitti, amma immoo qulqullummaatti jiraachuudhaaf bu'aa dhagna keessanii qajeelina jala galchaa!**

**6:15** Gaaffiin lammataa aggaamame kun (walga'insa) 6:1 wajjiin baayyee walfakkaata. Deebiin lameen gaaffii adda addaa waa'ee walitti dhufeenya cubbuufi kiristaanaa kaasa. Lakkoofsi 1 waa'ee ayyaanaa akka hayyama cubbuuf hin tajaajileetti yoo ta'u, lak 15 fedhi kiristaana ittin cubbuu loluu, faccisuufi dhuunfaan hojjetuuti. haaluma walfakkaataan amantoonni Waaqayyoon fedhinnaa addaan isa tajaajiluu qaban akkuma inni dura cubbuutti isaan tajaajilee (6:14)

▣
**KQSAH, KJHH**

| | |
|---|---|
| **TIV** | **"cubbuu haa hojjennuu"** |
| **KQSHH** | **"cubbuu hojjennuree"** |
| **JV** | **"cubbuutti gadhiifamneerra"** |

Hiikkaan wiiliyaamiifi Filiips lameen (aorist active subjunctive) kana akka (present active subjunctive) fakkaati lak 1 hiikkan. Kun xiyyeeffannoo fixaa miti. Hiikkaa filannoon dhiyaatan yaadadha (1) KJV, ASV, NIV_ "cubbu hojjennuuree?" (2) Hiikkaan Seentenaari _ "yakka cubbuu hojjennuree?" (3) RSV – "cubbuu

gochuufiree? Gaaffiin ku Giriikitti xiyyeeffanno ta'eeti deebiin isaas "eeyyee"dha. Kun walga'insa Phaawuloos itti fayyadamee dhugaa baasudha. Lakkofsi kun xinamantii sobaa agarsiisa. Phaawuloos kana deebii isaa beekkameen "gonkumaa hin ta'u" jechuun deebise. Wangeelli Phaawuloos ayyaana tola Waaqayyoo inni jedhu akka malee hubatamee, barsiisoota sobaanis baayyeenis ni xureeffame.

**6:16** Gaaffichi deebii "eeyyee" eeggata. Namoonni waan ta'e ykn nam ta'e tajaajilu. Jireenya keessan irratti eenyutu mootomee; cubbu moo Waaqayyoo? Ajajama nam kamtu eenyuun akka tajaajilan agarsiisaa (gal 6:7-8)

**6:17 "Waaqayyoof galanni haa ga'u"** Phaawuloos irra deddeebi'ee Waaqayyo galateeffachu fiiga. Barreeffamni isaa kadhata isaa keessaa dhangalaasa, kadhanni isaa moo beekkomsa wangeelaa qabu keessaati. Mataduree addaa: kadhata, sagadaafi galata Phaawuloos Waaqayyoof 7:25 ilaalaa

▣ **"isin turtan … taataniirtu"** kun imperfect tense gochima "to be" ti, isa waan dabreesaanii agarsiise, (garboota cubbuu) itti aanee (aoristtense) isa gantummaan isaan booji'amuu agarsiisedha.

▣ "**qomoo barsiisa keenyaa isa itti kennamtan sanaaf garaa guutuudhaan abboomamtaniitu"** yaadni kun, qajeelummaa amantiisaanii ilaallata, isa fakkeenya Kiristoos guyyumaati oofu. Jechi "barsiisa" jedhu barsiisa ergama ykn wangeela kan ilaallatudha.

▣ "garaa" mataduree addaa : Garaa 1:24

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"barsiisa keenya isa itti kennamtan sanaaf garaa guutuudhaan abbomamtaniitu"** |
| **KJHH** | **"doktiriina sanaaf isin akka fayyitan taataniirtu."** |
| **KQSHH, NIV** | **"barsiisa sanaaf isa itti amanamtaniif"** |
| **TIV** | **"barsiisa isin argatan san keessa dhugaa jira"** |
| **NKQJ** | **"akkina barsiisaa isin akka beektan godhame"** |

**MATADUREE ADDAA : AKKITAA (TUPOS)**

Rakkinni jecha tupos, jedhu hiikkaa hedduu qabudha.

1. Mooltaniifi Miiligan, The Vocabulary of Greek New Testament ful 645
    a. akkina
    b. karoora
    c. akkitaa ykn akki barreeffamaa
    d. seerrata ykn babarruu
    e. ajaja ykn murtii
    f. akkaya dhaqna namaa aarsaa wareega fayyinaaf Waaqoliif kennamu.
    g. gochima sammuu seerama jijjiiruuf tajaajilu
2. Loo'uufi Nidaa (Greek-English Lexicon jil 2, ful 249
    a. dirmammuu (Yoh 20:25)
    b. fakkii (HoE 7:43)
    c. akkaya (Ibr 8:5)
    d. Fakkeenya (1Qor 10:6; Filp 3:17)
    e. isa jalqabaa (Rom 5:14)
    f. gosa (HoE 23:25)
    g. qabiyyee (HoE 23:25)
3. Haaroldi K. Mooltan, The Analyitical Greek Lexicon Revised ful, 411
    a. afuufuu, cuuphuu, mallattoo (Yoh 20:25)
    b. daangeessuu
    c. fakkii (HoE 7:43)
    d. formulaa, sagantaa (Rom 6:17)
    e. akkitaa, fakkeessuu (HoE 23:25)
    f. suuraa, ginna (1Qor 10:11)
    g. fakkeenya eeggamu, sanyii (Rom 5:14; 1Qor 10:11)
    h. akkina akkayyaa (HoE 7:44; Ibr 8:5)
    i. akkina akkayyaa (Filp 3:17; 1Tas 1:7; 2Tas 3:9; 1Xim 4:12; 1Phex 5:3)

Yaada kanaan #1 gaarii fakkaata. Wangeelli doktirina (ameeniifi mala jireenya qaba. Fayyinni tola Kiristoos jireenya akka kan Kiristoos gaafata

**6:18 "cubbuu jalaa luba baatan"** kun (aorist passive participle) dha Wangeelli karaa hojii Kiristoos bikka bu'ummaa afuuraan amantoota walaboomsee jira. Amantoonni lameen adaba cubbuu (qajeelummaa( fi hacuuccaa cubbuuti (eebbifama lak 7 fi 22) walaboomanii jiru.

▣ **"hojjetaa qajeelinaa taataniittu."** kun (aorist passive indicative) ta'eeti "isin qajeelummaati tajaajila galtaniitu." mataduree addaa 1:17 ilaalaa. amantoonni Waaqayyoon tajaajiluuf walaboomanii jiru (lak 14, 19, 22; 7:4; 8:2) Galmi ayyaan tolaa jireenya Waaqummaati. Qajeelummaan lameen seera qabsiisuufi qajeeluma dhuunfaaf ta'udha. Waaqayyo akka namoota Biroo bira geenyuuf nu fayyisee, nu jijjiire! Ayyaanni nun hin dhaabbatu.

**6:19 "sababii dadhabbii keessaniif jedhee akka isin hubattaniitti na dubbadha,"** Phaawuloos amantoota Roomaa jiranitti dubbata. Inni rakko naannoo jiru dhagahe (hinaaffaa amantoota yihudaafi amantoota Ormaa giddu jiru) moo ykn dhugaa amantoota hundaa mirkanfataa? Phaawuloos gaalee kan dura amantoota hundaa mirkanfataa? Phaawuloos gaalee kana dura Roomaa 3:5 keessatti fayydame akkuma Galaatiyaa 3:15ti fayyadame.

Lakkoofsi 19 fi lak 16 cinaayina qaba. Phaawuloos qabxii xinamantii kana ixyyeeffannoof irra deebi'e.

Gariin gaalee kana jechuun Phaawuloos dubbii garbaa ta'uuti, "sababii dadhabbii foon keessanii" hiikka kana hin gitu. Gabrummaan jaarraa duraa keessatti hawaasa biratti akka amajaajommaatti hin ilaallamne; keessattuu Roomaatti aadaa bara sanii ture.

▣ **"foon"** matduree addaa 1:3 ilaalaa

▣ **"qajeelummaatti jiraachuuf"** kun wangeela qajeelummaati (lak 22) Kakuu Haaraa jecha kana miira xinamantii lama fayyinatti firoomanitti fayydama (1) eebba gitaa, isa kenna gooftaa (kallattii akeekaan) gaafa fayyinaa qajeelumma amanti Kiristoos keessa kenname (HoE 26:18; 1Qor 1:2; 6:11; Efs 6:26-27; 1Tas 5:23; 2Tas 2:13; Ibr 10:10; 13:12; 1Phex 1:2) fi (2) eebba dagaaginaa isa hojii Waaqayyoo afuura qulqulluu keessaan dhufee jireenya amantootaa gara fakkeenyaafi bilchina Kiristoositti kan jijjiirudha. (kallatti dhimmaan 2Qor 7:1; 1Tas 4:3, 7; 1Xim 2:15; 2Xim 2:21; Ibr 12:10, 14). Mataduree addaa Ebbifama 6:4 ilaalaa

Lameen kennaafi abboomidha. Gita (akeeka) fi hojiidha (dhimma). Agarsiiftudha (hima) fi ibsituu (ajaja). Jalqaba irrattidhufa, hanga xumuraattihin ga'u (Filp 1:6; 2:12-13)

**6:20-23**

**[20]Garboota cubbuu yommuu turtan, qajeelinaa fi abboomamuu jalaa baatanii turtan. [21]Egaa hojiin keessan yeroo sanaa ija attamii kenne ree? Ija inni kenne sanatti amma yeella'aa jirtu; wanti kun hundinuu gara dhumaatti du'atti ni geessa. [22]Amma garuuu cubbuu jalaa luba baatanii hojjetoota Waaqayyoo taataniittu, kunis qulqullummaadhaaf ija isiniif godhata, gara dhumaattis jireenya bara baraatti ni gees sa. [23]Beenyaan nama cubbuu hojjetuu du'a; kennaan Waaqayyoo inni Kristos Yesus gooftaa keenyaa wajjin tola kennamu garuuu jireenya bara baraa ti.**

**6:20-21** kun salphumatti faallaa lak 18 fi 19 dhiyeessa. Amantoonni gooftaa tokko qofa tajaajilu danda'u (Luq 16:13) 6:22-23 lakkoofsi kun gatii dafqaa namni tajaajile tokkoof kaffalamu akkaataa deemsa isaa uuma. Waaqayyoon haa Galatu mariin cubbuufi amantootaa kun ayyaana irratti xiyyeeffate raawwatame. Dursi kenna fayyinaati. Karaa walgargaara keenyaa, achii moo kenna jireenya kiristaanummaa, kunis karaa walgargaarsa keenyaa kan ta'edha. Lameen keennaa kun karaa amantiifi qalbii diddirrannaa kan argamedha.

**6:22 "kunis qajeelummaadhaaf ija isinii godhata, gara dhumaattis jireenya bara baraatti ni geessa."** Jechi "faayidaa" jedhu "bu'aa" lak 21 keessatti waan cubbuun fiduu agarsiisuuf itti fayydame, garuuu lak 22 keessatti bu'aa Waaqayyoon tajaajilu agarsiisa. Faayidaan inni ariifachiisaan amantoonni Kiristoosiin fakkaachuusaaniiti. Faayidaan dhuma hinqabne isa wajjiin ta'uufi akka isaa ta'udha bara baraan (1Yoh 3:2). Yoo bu'aan ariifachiisaan hin qabne seeraan gaaffii kaasiisa (jireenya bara baraa Matt 7) "Firiin hin jiru, hiddi hinjiru!"

6:23 kun dhimbiibbaa boqonnicha waliigalaati. Phaawuloos filannicha gurraachaafi adiin lafa kaa'e. Filannoon keenya _ cubbuufi du'a ykn karaa Kiristoosiin ayyaana tolasaafi jireenya bara baraa. Hogbarruu ogumaa Kakuu Moofaa "karaa lama" jedhu wajjiin baayyee walfakkeenya ni qaba. (Faarfannaa 1, Fak. 4; 10-19; Matt 7:13-14)

▣ **"Beenyaan nama cubbuu hojjetuu"** cubbuun akka namaatti namoomee: (1) abbaa garbaa (2) hogganaa waraanaa ykn (3) mootii gatii dafqaa kafalu (3:9; 5:21; 6:9, 14, 17)

▣ **"kenni Waaqayyoo inni tolaa jireenya bara baraati"** Jechi kun, "kenni tolaa" (charisma) hiikkame hidda ayyaana (charis) jedhurraati. (3:24, 5:15, 16, 17, Efs 2:8-9) yaadannoo 3:24 ilaalaa.

**Gaaffilee Mariidhaa**

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti. Kanaaf hiikkaa kitaaba Quqlulluu keetiif itti gaafatamoodha. Tokkoon tokkoo keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni qulqullu keetiifi afuurrii qulqulluu hiikkaa keessatti dursitoota.

Ibsaa wajjin walitti laaquu hin qabu.

Gaaffileen marii kunneen kan dhiyaatan dhimmoota muummee kutaa kanaa kan ta'an irratti akkaati yaadduuf akka si gargaaraniifi. Isaanis warra ilaalcha dadammaqsan malee ibsa barbaadan miti.

1. Akkamitti hojiiwwan gaariin fayyinatti firoomuu?
   (Efs 2:8-9,10)
2. Akkamitti cubbuun itti fufinsa jireenya amantootaa keessaa fayyinaan firoomaa (1Yoh 3:6, 9)?
3. Boqonnichi "cubbu maleeyumma qixaa" ni barsiisaa?
4. Akkamitti boqonnaa 6, boqonnaa 5 fi 7 ti firoomaa?
5. Cuuphaan maaliif asitti irratti marihatamee?
6. Kiristaanonni eenyummaa isaanii dulloomaa hambisuu danda'uu? Maaliif?
7. Maalidha henna lak 1-14 fi lak 15-23 keessa jiru kan agarsiisu?

# ROOMAA 7

| HIRAMSA BUUFATA HIIKKAA HAMMAYYAA | | | | |
|---|---|---|---|---|
| **YBS[4]** | **KJHH** | **KQSHH** | **TIV** | **KQJ** |
| Fakkeenya Gaayilaa | Luba bahuu | Fakkeenya gaayilaaf | Seera gaayilaa | Kiristaanni seeraan hin qabamu |
| 7:1-6 | 7:1-6 | 7:1-3<br>7:1-6 | 7:1-6 | 7:1-6 |
| Rakkina cubbuutti kufuu | Seerri cubbuuf ooga | Seeraafi cubbuu | Seefaafi cubbu | Hojii seeraa |
| 7:7-12 | 7:7-12 | 7:7-12 | 7:7-11 | 7:7-8 |
| | | | | 7:9-11 |
| | | | 7:12-13 | 7:12-13 |
| | Seerri cubbuurra hin oolchu | | | |
| 7:13-25 | 7:13-25 | 7:13 | | |
| | | Waldiddaa keessa | Waliddaa namoota | Qabsoo moyichaa |
| | | 7:14-20 | 7:14-20 | 7:14-20 |
| | | 7:21-25a | 7:21-25a | 7:21-23 |
| | | | | 7:24-25a |
| | | 7:25b | 7:25b | 7:25b |

**MARROO DUBBISAA SADII**
***FEDHA BARREESSAA KA'UMSAA SADARKAA BUUFATAATII HORDOFUUN***

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti. Kanaaf hiikkaa kitaaba qulqulluu keetiif ittigaafatamoodha. Tokkoon tokkoo keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati kitaabni quqlulluu keetiifi afuurri qulqulluu hiikkaa keessatti dursitoota ibsaa wajjiin walitti laaquu hin qabdu.

Boqnnichi taa'umsa tokkoon dubbisi. Dhimma isaa addaan baafadhu. Hiramasaa dubbi kee hiramsa hiikkaalee shaman gaaratti ibsamani jiran wajjiin bira qabii ilaali. Buufanni afuurahuun miti, garuuu fedha barreessaa ka'umsaa hordofuun furtuudha, suni moo ifa hiikkooti. Buufanni dhimma tokkoofi tokko qofaa qaba.

1. Buufata duraa
2. Buufata lammeesso
3. Buufata sadeessoo
4. KKf

**Ilaa qabiyyee lakkoofsa 1-6**

A. Boqnnaan 7 ka hiikkamu (1) ifa yaada boqonnaa 6, keessattuu lak 12-14 jirun (akkasumas 3:20, 21-31; 4:13-16; 5:20), haa ta'uuti (2) akkasumas muddama waldaa Roomaa amantoota Ormaafi mantoota yihudi gidduu jiru, isa boqnnaa 9-11 iaallameti ni firoomfama. Uumamni rakkinichaa sirrin ifa miti. Feetu garuuu:
   1. Seertummaa bu'uura seera Muusee

2. Xiyyeeffanno yihudoota dursaa Muusee, achi Kiristoos ta'u
3. Hojmaata wangeelaa yihudootarratti jiru hubannoon dogoggoruu
4. hubannoo dogoggoraa kakuu moofaafi haarawa gidduu jiru
5. hinaaffaa hoggantoota amantoota yihudaafi hoggantoota amantoota ormaa isaan san bakka bu'an giddutti bara ajaja mootummichaa dhalatee aadaa yihudootaa Roomaa keessatti kan ittisedha. Baayyonni yihudii hanga biyyatti gad lakkisanii bahuutti gahan.

B. Roomaa 7:1-6 haasawaa fakkeenyaa boqonnaa 6 waa'ee walitti dhufeenya kiristaanotaafi jireenya isaanii dulloome itti fufee dhiyeessa. Dubbiin inni ittfayyadame.
   1. du'aafi gabrummaa jalaa gooftaa biraatti darbu (boqonnaa 6)
   2. du'aafi seera gaayilaa jalaa hiikkamu (boqonnaa 7)

C. Boqonnaa 6 fi 7 cinaayina qabu, boqonnaan 6 walitti dhufeenya amantootaafi cubbuuti, boqonnaan 7 amantootaafi seera fakkeenyi garba duuti walaboomse (6:12-23) fi gaayila duutii walaboomseen cinaa'a. (7:1-6)

| Boqonnaa 6 | Boqonnaa 7 |
|---|---|
| 6:1 "cubbuu" | 7:1 "seera" |
| 6:2 "cubbuutti du'e" | 7:4 "seeratti du'e" |
| 6:4" jireenya haarawaan dedeemu" | 7:6 "afuura haarawaan tajaajilu" |
| 6:7 "inni du'e cubbu jala walaboomeera" | 7:6 "iddoo seera jalatti qabamne turre, dua'aan adda baanee walaboomne" |
| 6:18 "cubbuu jalaa walaboomne" | 7:3 "seera jalaa walaboomne" |

(Ibsituu Andirees Nayigriin Commentary on Romans jedhu irraa Karl Raasmuseen hiikkame, ful 268 irraa waraabame)

D. Seerri labsiinsaa du'a. Namni hundu seera jalatti ni himatama (Rom 6;14; 7:4; Gal 3:13; Efs 2:15; Qol 2:14) seerri abaarsa.

E. Akkaataan turjumaana boqonnaa 7 tiyoori afurtu jira
   1. Phaawuloos ofumaan dubbata (seena mataa ofii)
   2. Phaawuloos akka bakka bu'aa nama hundaatti dubbata (bakka bu'aa, Dhysostom)
   3. Phaawuloos muuxannoo Addaam dubbata (Theodora fo Mopsvetie)
   4. Phaawuloos muuxannoo Israa'elootaa dubbata

F. Karaa baayyee Roomaan 7 akka Uma 3 ti tajaajila. Gantummaan namoota Waaqayyoon qabamanille hangam takka akka gadi isaan harkisu agarsiisa. Beekkomsi kufaatii namootaa hambisuu hin dandayu, garuuu ayyaana Waaqayyoo qofa, yaada garaa haarawa qofa, (kakuu haarawaa, Erm 31:31-34, Hiz 36:26-27) Achi boodallee qabsoon ittuma fufee jira.

**Qo'annoo jechaafi Gaale**

**7:1-3**

**1Obbolootа ko, isin warra seera hubattanitti nan dubbadha; seerri hamma namni jiru duwwaatti nama irratti gooftummaa akka qabu hin beektanii ree? 2Fakkeenyaaf dubartiin heerumte tokko, hamma abbaan manaa ishee jiraatu duwwaatti seeraan itti hidhamtee jirti; abbaan manaa ishee yoo du'e garuuu, seera isa ittiin abbaa manaa ishee sanatti hidhamteettii hiikamuu ishee ti. 3Egaa akka kanatti abbaan manaa ishee utuma jiruu, dhiira kan biraa wajjin yoo jiraatte, ejjituu jedhamti; abbaan manaa ishee yoo du'e garuuu, isheen seera sanattii hiikamteetti, dhiira kan biraatti yoo heerumtes ejjituu hin jedhamtu.**

**7:1 "(Obbolootа koo, isin warra seera hubatanitti nan dubbadha)"** kun kan agarsiisu (1) amantoota yihudii qofa; (2) waldiddaa amantoota yihudaafi Ormoota waldaa Roomaa keessa jiran gidduu jiru; (3) seeroota jiran hundaafi sanyi namaa hunda (2:14-15); ykn (4) amantoota Ormaa haarawa waa'ee amantiisaanii haarawaa barataa jiranii Kakuu Moofaa keessaa

▣ **"Seera"** kun amantaa boqonnichaati (lak 1, 2, 4, 5, 6 kkf) Haata'uuti Phaawuloos jechicha miira garagaaraan fayyadameera. Mariin Phaawuloos waan 6:14n tutuqame fakkaata. haalli dhiyeessi isaas boqonnaa 6 wajjin

cinaayina qaba. Ilaa qabiyyee, C ilaalaa. Seeraafi walitti dhufeenya kakuu haarawaa Kiristoos keessattis ka'ee mariyatameera. 3:21-31 fi 4:13-16 keessatti

▣

**KQSAH “Seerri hamma namni jiru duwwaatti nama irratti gooftummaa akka qabu hin beektaniiree?**
**KJHH “hanga lubbuun jirutti seerri abboommi namarratti ni qaba.”**
**KQSHH “seerri humna abboommi namarratti ni qaba hanga lubbuun jirutti**
**TIV “seerri hanga namni lubbuun jiruutti ni abbooma”**
**JV “Nama seerri kan ilaallatu yoo lubbuun jiru qofa”**

Kun “tiksuu” (kurievo 6:9,14). Seerrii Muusee eebba guddaa ture (Far 19;119) fi abaarsa rifaasisaadha. (Gal 3:13, Efs 2:15; Qol 2:14) Du'aa qaamaan, dirqamni seeraa hafe. Kun dubbi dalgaa boqonnaa 6 keessatti du'a amantoota cubbuun ta'een walfakkaata.

**7:2 “dubartii heerumte”** kun agarsiisa Phaawuloos lak 1-6ti jirudha. Boqnnaa 6 keessatti duuti dirqama irratti xiyyeeffate. Agarsiisni ni jijjiirame. Sababnis asitti kan du'eetu dhirsa, gatii kanaa bosortiin deebitee heerumu dandeesse; akka kana fakkeenya Phaawuloos keessatti kan du'e amantoota, kanaafis, Waaqayyotti jiraatan

▣ **“hiikkamuu isheeti”** kun gochima lakkoofsa 6:6 keessa wajjin tokko; jechunis “akka hin hojjenne ta'e”, “gatii dhabaa ta'e” ykn “wajjiin dhabama ta'e” 6:6 keessatti _(aorist passive) dha asitti (perfect passive) dha jechunis “gadhiifameera, ni gadhifamas” jechudha. Mataduree adda 3:3 ilaali. 7:3 “ejjituu jedhamti” qeeqni kun dubbii yihudoota mana barumsa shammaayiifi Hilleel gidduu jiruu, Deb 24:1-4; ti firooma, keessattuu moo “addaggummaa”. Man barumsi Hilleel gadhiisidha, hiikkaa gaayilaa ni deeggera. Mana barumsi Shammayi cimsitoota yoo ta'an hiikkaa gaayila kan deeggaran yoo ejja ykn qunnamtii hin malle ta'e qofa hayyamu. (Mat 5:32; 19:9)

**7:4-6**

**[4]Akkasuma yaa obboloota ko, isin warri bu'aa dhagna Kristos taatanii duutanii turtan, seera isa itti hidhamtanii turtan jalaa hiikamtaniittu! Kanaaf kan nama biraa, kana jechuunis kan isa warra du'an keessaa kaafamee ni taatu; Wal'aansoo Nama Keessaa.kanaan hundumti keenya Waaqayyoof ija ni godhanna. [5]Yeroo nuyi akka fooniitti jiraachaa turre, hawwiin foonii inni cubbuudhaan guute seerichaan toosifamee, du'aaf akka nuyi ija godhannuuf, bu'aa dhagna keenyaa keessaa ni hojjeta ture. [6]Amma garuuu seera isa moofaa dur caafame jalatti utuu hin ta'in, jireenya hafuuraa isa haaraa keessatti akka hojjennuuf, isa nu hidhate jalaa duunee, seerattiis hiikamneerra.**

**7:4 “duutanii turtan”** kun Amantaa buufata kanaati. (fi boqonnaa 6). Fakkeenya boqonnaa 6 wajjinni firooma, isa kiristaanni cubbuutti du'an, akkuma Kiristoos du'e. (2Qor 5:14-15, Gal 2:20) Amantoonni kiristoosiin uumama haarawaadha, bara haarawaa afuuraa kana keessa (2Qor 5:17)

▣ **“bu'aa dhaqana Kiristoosin”** kun yaada xinamantii waldaa akka qaama Kiristoositti isa ilaalu sana agarsiisuuf miti; (2Qor 12:12, 27) garuuu qaamuma Kiristoos akka isa 6:3-11 keessaa san, isa yennaa Kiristoos du'u, amantoonni, karaa cuuphaa adda bahan, isa wajjin du'aniiti. Duuti isaa du'asaaniiti. (2Qor 5:15-15, Gal 2:20) jireenyi isaa du'aa kaafame akka isaan Waaqayyoon tajaajilan isaan walabomse.

▣ **“Waawayyoof ija ni godhanna”** kunis boqonnaa 6 ti cinaaya, keessattuu 6:22ti. Amantoonni amma karaa Kiristoos akka deebisanii Kiristoositti of hidhanitti hiikkamaniiru. Kun fakkeenya gaayilicha itti fufeeti. Akkuma Kiristoos amantootaaf du'e, isaan moo cubbuutti du'u qabu (2Qor 5:13-14; Gal 2:20) Akkuma Kiristoos du'aa ka'e isaanis, daran, jireenya afuuraa haarawaatti, tajaajila Waaqayyootti ni kaafamu (Rom 6:22, Efs 2:5-6)

**7:5**
**KQSAH “yeroo nuyi akka fooniitti jiraachaa turre”**
**KJHH “yeroo nuyi fooniin turreetti”**
**KQSHH “yennaa nuyi fooniin jiraachaa jirutti”**
**TIV “yeroo nuyi akkaataa uumama namooma keenyaan jirutti”**
**KQJ “odoo hin jijjiiramiin dura”**

Lakkoofsi kun lak 4 ti fuggina. Lakkofsi 4 muuxannoo amantootaati firooma, akkuma lak 6 ta'e san. Lakkoofsi 6 ija fiirii jireenya humna Waaqayyon alaa agarsiisa (Gal 5:18-24) Seerri amantoonni akka cubbuusaanii argan taasisa. (lak 7-9; Gal 3:23-25), garuuu humna ittin to'atan isaanii hin kennu.

Akka yaadaatti kun amantoota kufan, cubbamuu Addaam irraa dhaalan (6:19) agarsiisa. Phaawuloos jecha Sarx bifa lamaan fayyadama. (1) uumama cubbamaa (eenyummaa mootahe) fi (2) qaama dhaqna (1:3; 4:1; 9:3,5) Asitti alta'adha, garuuu Rom 1:3; 4:1; 9:3, 5; Gal 2:20 hubadha. Fooni/dhaqni (sarx/soma) ofiin amajaajii miti, garuuu isaan, akka sammuu (nous), dirree waraanaati, iddoo qabsoo human amajaajii bara kanaafi afuura qulqulluu giddutti godhamuuf. Phaawuloos jecha kana haala Septuagint wajjin walsimuun male hogbarruu Giriikiitti hin fayyadamne.

▣ **"seerichaan toosifame"** uumamni gantummaa namaa, inni dorkaa kamittu tuqa kaasu, Uma 3 keessatti ifatti kaa'ameera. Seerri daangaa kaa'a. (lak 7-8) Daangaan kun eegumsa sanyi namaa, garuuu namoonni akka cancalaafi dhuma itti godhan seera Waaqayyoon afuurri olhirkata, cubbamaa kaka'e (mirqaane) Rakkinni daangicha miti (seera, lak 12-13) fedha dhuunfaafi sansaka namootaati.

**7:6 "Amma garuuu"** kitaabni Niwmaaniifi Nidaa A Translator's Hand book an paul's Letter to the Romans, qeeqa gammachiiftu qaba. "cinaayina lak 5 fi 6 giddu jiru fi si'uma tokko walitti dhufeenya qaban hubachuun barbaachisaadha. Lakkoofsi 5 muuxannoo bara kirisaanumma duraa ibsa, fi akkasumas lak 7:7-25ti cinaayina qaba, lak 6 jireenya amantii amma hoggansa afuura Waaqayyoo jalatti jiruufi cinaayina 8.1-11 qabu agarsiisa. (ful 130)

▣ **"hiikkamneerra"** kun (aorist passive indicative) dha. Kun (imperfect middle indicative) lak 5 jala jirutti fuggina. amantoonni cubbuu jalatti qabamani turu akka seera keessatti mul'ateetti, amma garuuu karaa oduu gammachiisaa wangeela afuura qulqulluu keessaan hiikkataniiru. Jechi walfakkaataan kun dubartii bosartii lak 2 irra jirutuu fayyadamame.

▣ **"isa nu hidhate jalaa duunee"** kun (aorist passive indicative) dha faana bu'ame. Waaqayyo amantoota du'a Kiristoos jalaan (1) abaarsa Kakuu Moofaa, fi (2) cubbuu keessa isaanii jalaa isaan baase. ganiinsa isaanii fedha Waaqayyo mul'ataa jalaatti, uumamasaanii kufaatii jalatti, cubbuu dhuunfaasaanii jalattiifi qorumsa qaruumaa jalatti hidhatamanii turan (Efs 2:2-3)

▣ **"moofaa dur … isa haaraa"** karaan afuuraa inni haarawaa gara kakuu haarawaa agarsiisa fakkaata (Erm 31:31-34; Hiz 36:22-32) jechi Giriik "haarawaa" (kainos-kainotes) Phaawuloos itti fayyadame

1. jireenya haaromuu, Rom 6:4
2. afuura Raaromu, Rom 7:6
3. kakuu haarawaa 1Qor, 11:2; 2Qor 3:6
4. Uumama haarawaa 2Qor 5:17; Gal 6:15
5. nama haarawaa Efs 2:15; 4:24

Jechi "moofaa" seera Muuseef jedhame "guutummatti moofa'uu" oole. Phaawuloos kakuu moofaafi kakuu haarawaa fuggunsiisa, akkuma barreessa Ibroota (8:7fi 13)

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KJHH** | **"jireenya hafuuraa isa haaraa keessatti akka hojjennuuf"** |
| **KQSHH** | **"seera isa dur barreeffameen odoo hin ta'iin jireenya hafuuraa isa haarawaa gabra taaneerra."** |
| **TIV** | **"garuuu karaa hafuuraa isa haarawaa"** |
| **KQJ** | **"karaa hafuuraa haarawaa keessatti tajaajiluuf furamne"** |

Kun "afuura haaromu"dha. Wanni kun afuura namaa deebi'ee haaromfame ykn afuura qulqulluu haata'uu wanni beekkame hin jiru hiikkaan afaan Ingiliz hedduun qubee duraa guddisu, jechuun hafuura quqlulluu, is ayeroo jalqabaaf Roomaa 8 (si'a15) keessatti haala ifa hin ta'iin tuqame. Jechi "afuura" jedhu afuura namaa deebi'ee haaroomfameefi wangeelaan humnoomefi afuura qulqulluu Rom 1:4,9,2:29; 7:6; 8:15; 11:8; 12:11; 1Qor2:11; 4:21; 5:3, 5, 5:7:34; 14:15, 16, 32; 16:18 agarsiisa jechudha.

Barreeffama Phaawuloos keessatti “foonii” fi “afuuraa” akka yaadaafi jireenya gargar ta’e lamaatti walfugginsu. (7:14; 8:4; Gal 3:3; 5:16, 17, 25; 6:8) Jireenyi qaamaa Waaqayyoon alatti “foonii”dha, garuuu jireenyi Waaqayyoo wajjinii “afuura” ykn “afuura”

Afuurri qulqulluu cuuphu (8:9,11) amantoota gara uumama haarawaa kiristoosinitti (gitaafi muuxannoo) ti jijjiira.

**Ilaa qabiyyee Roomaa 7:7-25**

A. Roomaan 7:7-25 jiru dhugaa namoomaa ibsa. Hundi ilmaan namootaa, kan fayyinniifihin fayyine dabalatee, muddama gaariifi badaa gidduu jiru addunyaafi lapheefi sammuu isaanii keessatti leenui’anii jiru. Gaaffiin hermenetiksii dubbisni kun akka namaa galutti Phaawuloos maal jechuu isaatii? Yaadaan boqonnaa 1:18-6:23 fi 8;1-39 wajjin walitti firooma. Gariin akkanni namoota hund airratti xiyyeeffatu ilaalu, kanaafuu, muuxannoo Phaawuloos akka akkiyyaa dhuunfaati ilaalan. Turjumaani kun “tiyoorii seenaa ofi ofiin barreessu” dha. Phaawuloos “ana” jecha jedhu miira nam hintaane irratti fayyadame 1Qor 13:1-3 itti fayyadamni al-nama “ana” kun barsiisoota yihudii irraa kan argamedha. Yoo kun asitti dhugaa ta’e, dubbisichi ceehumsa sanyi namaa garraamummaa karaa fayyinaa ta’e (boqonnaa 8) “tiyoori bikka bu’ummaa” agarsiisa.

Haata’uuti, gariin ammooo lakkoofsa kana qabsoo hadhooftu amantoonni uumama isaanii kufatii wajjiin godhanitti firooma jedhu. Iyyi laphee baqaqsu lak 24 muddama kana agarsiisa.

Kunimmoo beekkomsa “tiyoorii ofoossma” kennu fakkaata isa Phaawuloos muuxannoo ofii garraamummaa irraa gara amantii jabaatti, gara qajeelummaatiifi karaa eebba dagaaginaa (autos, ego, “ana mataa koo”, lak 25) muddaman guutamte ibsaa jiru jedhu.

Yaadni lameenu dhugaadha. Lakkoofsa 7-13fi 25b keessatti Phaawuloos ofoosamaan haasawa wayita lak 14-25a keessatti muuxannoo ofiin cubbuu wajjiin qabsoo godhe, akka bakka bu’aa namoota lubbuu bitamanii hundaa dubbatu. haata’uti; waligalli dubbisa kanaa faallaa duddubee Phaawuloos amma aarsaa baasaa hordofaa amantii yihudaa ta’uun dura isa jiru yaadatamu qaba. Muuxannoo Phaawuloos addatti kanuma isaati.

B. Seerichi gaariidha. Waaqayyo biraati. Akeeka Abbaa humnaa (7:7, 12, 14, 22, 25) tajaajile, ni tajaajilaas. Nagayaa ykn fayyina hin fidu. Jamsi Stewarti kitaaba isaa A Man in Christ jedhu keessatti fuggisoo yaadaafi barreeffama Phaawuloos agarsiise.

> “Fayyaalummaan nama ofii gad taa’ee toftaa ilaalchaafi doktiriina ijaaru hanga danda’me gaggogaa jechoota naqudha. Fettan eegdu ta’a yaada duree isaa xingaalessa keessatti nama dogoggora malee itti yaade godhu jettanii eegdu. jechi, takka barreessaadhaan iddoo tokkootti fayyadame miiruuma sanaan hanga xumuraa itti fufa jettani fudhattu kana Phaawuloos irraa eeguun nama aarsafayi. Baayyonni xingaaleessi isaa dhangalaasa, gogaas miti, … “Seerichi qulqulludha” jedhe barreessa ‘seera Waaqayyoottiin gammade eegi namkeessaa booda (Rom 7:12-13) garuuu moo kallatti Birooon nomos waan biraa jedha. “Kiristoos abaarsa seeraa jalaa nu bitee (Gal 3:13) ni jedhe” (ful 26)

C. Ragaaan barruu kanaa gaaffilee “Phaawuloos kaniinni jechaa jiru nama fayyeen; moo hin fayyineenii lak 14-25 keessattii?” jedhu waliin jiru
   1. Nama hin fayyiin
      a. kun turjumaana abbooti waldaa ganamaa afaan Giriikiin haasa’aniiti
      b. Gaaleewwan armaan gadii kana deggeru.
         1. “ani foonii” lak 14
         2. “gabrummaa lak 14 dabarfame gurgurame lak 14
         3. wanti gaariin homtuu natti hin jiru lak 18
         4. “seeronni na keessa jiran hidhamaa seera cubbuu na godhanii jiran lak 23
         5. “ani gadadamaadha! isa gara du’aatti na geessu dhaqna kana jalaa eenyu birmaduu na baasa lak 24
      c. Yaadni boqonnaa 6 inni sardaan icciitii cubbuu jalaa walaboomuu keenyadha. Yaadni boqonnaa 8 ammooo “kanaafuu”n eegala.
      d. waa’ee afuuraafi Kiristoos kan odeessu hanga xumura yaada kanaatti dhabamuusaa lak 25
   2. Nama fayyeef
      a. kun hiikkaa Awugistoos, kalniiniifi aadaa haaromsaati

b. Gaalewwan armaan gadii kana deeggeru
   1. “ne beekna seerichi kan afuuraati” lak 14
   2. “ssricha nan fudha, garuuummaattis waliin gala” lak 16
   3. “waan gaarii ani hawwu, hin godhu lak 19
   4. “ani keessa kootti seera Waaqayyootti nan gammada
c. Yaadni ballaa Roomaan boqonnaa 7 dha keessaas isa waa’ee eebbifamuu haasa’u
d. Jijjiiramni ifattii kunis jireenya Phaawuloos haarawaa agarsiisa (S.S.

D. Hanguma amantoonni caalmaatti gara fakkeenya Kiristoositti of harkisan caalumatti cubbamuu isaanii hubataa deemu. fuggisni kun sirriitti yaada kanaafi Phaawuloosiin 9fi amantoota baayyee) ni argata.

Faaruu Luutraan keessaa midhaan Henery Tawetsiin fuudhame

Homtuu, Gooftaa, boqonnaa sirri hinqabu homtuu cubbuu jala bahee hin darbu. Warri jalatti kufan sirritti tajaajilu waan keessi isaanii hanga isaan galu.

**7:7-12**

**7 Egaa immoo seerri ofuma isaatii cubbuu dha jenna moo ree? Kun matumaa hin ta'u. Haa ta'u iyyuu malee, utuu seerri hin jiraannee ani cubbuu hin beekun ture; utuu seerri "Waan namaa hin hawwin!" hinjenne ta'ee, hawwuun maal akka ta'e hin beekun ture. 8 Cubbuun garuuu abboommiidhaan qabatee hawwii garaa garaa hundumaa na keessaa dammaqse; iddoo seerri hin jirretti cubbuun du'aa dha.**
**9 Iddoo seerri hin jirretti ani jiraachaan ture; yeroo abboommichi dhufetti garuuu cubbuun ni bayyaannate. 10Yommus ani nan du'e; abboommichi inni gara jireenyaatti geessuuf ture, gara du'aatti kan na geessu ta'uun isaa argameera.11 Cubbuun abboommichaan qabatee, na gowwoomsee, isumaanis na ajjeese. 12 Seerichi illee ofii isaatii qulqulluu dha, abboommichis qulqulluu, qajeelaa, gaarii dhas.**

**7:7 “Egaa moo maal jennaa turree”** Phaawuloos gara dubbii tuqa isaatti deebi’e (6:1, 15; 7:1,13)

▣ **“Seerri cubbuudhaa”** wanni fuggifama mul’ata tokko, Waaqayyo qulqullummaafi gaarummaa seeraa akka daayitii cubbuu ittiin agarsiisuuf fayyadame, sanyi namaa cubbuutti kufe gara qalbii diddirrannaafi amantiitti fiduuf (lak 12-13; Gal 3) Seerichi akka ajaa’ibaatti eebba keessatti garuuumoo qulqullummaa keessatti miti hojjechu ittuma fufe.

▣ **“gonkumaa hin ta’u”** Amala mormii Phaawuloos ittiin soba faccisu (lak 13; 3:4, 6, 31; 6:2, 15; 9:14; 11:1, 11; Gal 2:17; 3:21)

▣ **“faallaa kanaan”** xonoqni barruu Phaawuloos inni Roomaa keessaa qabxii isaa qabsiisuuf fuggina jabaa fayyadame. (3:4, 6, 31; 6:2, 15; 7:13; 9:14; 11:1, 11)

▣ **“Ani”** kitaaba Qulqulluu keessan irratti bakka maqaan matayya “ani” “kiyya” ykn “anaa” kun si’a meeqa akka muldhatan mee mallattoo itti godhaa, (lak 7-25ti) isin dinqisiisa. Si’a afurtamaa oli.

▣ **“utuu seerri hin jiraannee ani cubbuu hin beekun ture”** kun dubbisa furtuu yaada seera Muusee cubbuu namootaa akkuma daawwitiitti muldhisetti kan muldhisedha. (3:20; 4:65; 5:20; Gal 3:14-29, keessattu lak 24) seera takkaa darbuu jechuun kakuu diiguufi ijasaa baachuu jechuudha (lak 10 fi Yon 2:10)

▣ **“Seera keessaan malee”** kun (second class conditional sentence) dha “dhugaatti faallaa” jedhama. Phaawuloos yakkamaa cubbuuti. Kun fakkeenya seerluga takkitti Roomaa keessatti. Phaawuloos Gala 1:10; 3:21 fi akkasumas 1Qor 2:8; 5:10; 11:31 fi 2Qor 12:11 keessatti fayyadame.

▣ **“Waan namaa hin hawwin”** kun waraabbi abboommii kurnan keessaa isa xumuraati. (Ba’u 20:17; Deb 5:21) Abboomiin dhumaa kun amala qixaa irratti xiyyeeffata, dhugaatti keessa hundaati (Mat 5-7) seerichi akka “abboommitti” (lak 8, 1, 11, 12, 13) agarsiifameera. jechi “hawwii” jedhu “fedha garaa” ykn “barbaada jaba” jechudha. Waaqayyo namootaaf (badaniifi jiraniif) waan baayee gaarii karaa uumama isaanii godheera, garuuu namoonni kenna Waaqayyo kana gara Waaqayyo hin feenetti geessu jaalatan “Gara kamiinu caalatti anaaf” fedha jedhu horatan. ofittummaan hacuuccaa jibbisiisaadha. Mataduree addaa, yaadannoo seera Ba’uu irratti 20:17 at 13:8-9

**7:8**

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KJHH** | **"carraa kanatti qabatee"** |
| **KQSHH** | **"carraatti fayydamee"** |
| **TIV** | **"hiree godhatee"** |
| **KQJ** | **"haalatti hirkatee"** |

▣ **"iddo seerri hin jirretti cubbuun du'aa dha"** Cubbuun fedha Waaqayyo ganuudha. (Rom 4:15; 5:13; 1Qor 15:56) Gaalee kana keessa gochimni hin jiru; kana nama gargaaru, yoo namni tokko henna ammaa fayyadame, kan agarsiisu akeeka duuniyaati. Yoo namni tokko (aorist tense) fayyadame inni jireenya Phaawuloos ilaallate jechudha.

**7:9 "yeroo tokko jiraachaan ture"** kun Phaawuloosiin akka (1) daa'ima yeroo garraamummaa ykn (2) odoo dhugaan wangeelaa lapheesaa keessatti hin dhangala'iin dura Fariisaa aarsaa ta'e (HoE 23:1, Filp 3:6, 2Xim 1:3). Inni duraa "tiwoory ofoosamaa" agarsiisa isa boqonnaa 7 fi tiwoory bakka bu'umma" hiikkaa boqonnaa 7 agarsiisa.

▣ **"yeroo abboommichi dhufetti cubbuun ni bayyaanate, animoo nan du'e"** Afuurri gantummaa namaa dhorkaa dhaan humnooma. Jechi "hin godhini" seera Waaqayyoo keessaa 'of bulchuma' namoota dadhaboo tutuqxe kakaafti. (Uma 2:16-17; 3:1-6) Akkamitti cubbuun namoomaa akka deeme hubadhaa, akka 5:21fi 7:8, 11, 17, 20 keessatti.

**7:10 "abboomichi inni gara jireenyaatti geessuuf ture; gara du'aatti kan na geessu ta'uun isaa argameera."** kun feetu abdii seera Deebii 18:5 ykn Rom 2:13 keessa agarsiisa.

Seerichi waan fiixa hin baafne abdii kenna, garuuu waan cubbamoo ta'eef odoo hin taanee, sababa namoomni dadhabaafi gantuu ta'eeti. Seerichi murtiin du'aa ta'e. (Gal 3:13; Efs 2:15; Qol 2:14)

**7:11 "na gowwomse, isumaanis na ajjeese"** kun (aorist active indicative verbs)
dha. Jechi 'gowwomsuu' jedhu Hewaanii Septuagint (LXX) Uma 3:13 keessatti fayydame. Phaawuloos jecha kana hedduu itti fayydama. (Rom 16:18; 1Qor 3:18; 2Qor 11:3; 2Tes 2:3; 1Xim 2:14) Rakkinni Addaamiifi Hewaanis fedha garaati (2Qor 11:3, 1Xim 2:14). Addaamiifi Hewaan afuuraan du'an waan abboomii Waaqayyo cabsaniif, Phaawuloosis akkuma, namni hundis akkanuma (1:18-3:20)

**7:12** kun mirkansa gaarummaa seeraa Phaawuloosi. Rakkoos miti. Cinaayinni caasaa Phaawuloos, cubbuu" boqonnaa 6 fi "seera" boqonnaa 7 keessatti fayydame seertoota amantoota yihudii (dadhaboota 14:1-15:13) waldaa Roomaa keessaa isaan aarseera.

**7:13**

[13]**Yoos immoo waanuma gaariitu du'a anatti fide jechuudhaa ree? Kun matumaa hin ta'u. Cubbuun cubbuu ta'uun isaa, karaa abooommichaas cubbuun hamma malee hammaachuun isaa akka mul'atuuf, cubbuudhumti waan gaariidhaan du'a anatti fide.**

**7:13**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"cubbuun cubbuu ta'uunsaa akka muldhatuuf….. cubbuun hammaatee cubbuu ta'e"** |
| **KJHH** | **"cubbuun, cubbuu ta'ee dhufe… hammatee cubbu ta'e"** |
| **KQSHH** | **"cubbuun cubbuu ta'ee – cubbu hamma darbe ta'e"** |
| **TIV** | **"cubbuun akka turee muldhatu uumamuma"** |
| **KQJ** | **"cubbuun dhugumaan muldhachuuf ... humna cubbummaa isaa shaakaluu ni danda'a"** |

Amajaajummaan cubbuu kaniinni muldhatu waan ta'e akka gaariitti, waliigalaatti, Waaqaatti godhe akka seera Muuseeti fudhachuu (Far 19, 119) fi meeshaa abaarsaafi du'aatti hidhachuu isaati. (Efs 2:15, Qol 2:14). Namoonni dadhabo waan gaarii Waaqayyoo isaaniif kenne, iddoo Waaqayyo itti fedhuun garas kaa'u. Galima lameen hina (akeeka) yaadadhu.

▣ **"cubbu hamma malee"** mataduree addaa: Ittifayydama jechoota tishoo Huper Phaawuloos 1:30 irra ilaalaa

**7:14-20**

**[14]Seerichi seera hafuuraa akka ta'e, nuyi ni beekna, ani garuuu nama foonii isa cubbuu jalatti gurguramee dha. [15]Waanan dhimma baasu hin hubadhu; ani waanan jibbun hojjedha malee, waanan jaalladhu hin hojjedhu. [16]Waanan hin jaallanne nan hojjedha ergan ta'ee immoo, seerri gaarii ta'uu isaatti walii galuu koo ti. [17]Waanan hin jaallanne kanas cubbuu isa na keessa jirutu na hojjechiisa malee, anatu hojjeta miti. [18]Waan gaariin tokko illee, ana keessa yookiis namummaa koo isa foonii keessa akka hin jirre ani beeka; ani waan gaarii gochuu utuman jaalladhuu hojjechuu hin danda'u 19 Waan gaarii isa ani jaalladhu hin godhu; waan hamaa isa ani hin jaallanne garuuu nan hojjedha. [20]Ammas waanan hin jaallanne yoon godhe, egaa si'achi cubbuu isa na keessa jirutu na hojjechiisa malee, anatu isa hojjeta miti.**

**7:14 "seerichi seera hafuuraa akka ta'e"** seerri Waaqayyoo gaariidha, rakkoo miti. (lak 12 fi 16b)

▣ **"Ani nama foonidha"** jechichi Phaawuloosiin (1) miira dhaqna qaamaa agarsiisuuf (1:3; 2:28; 4:1: 9:3, 5) fi (2) miira alta'a kufaatii namootaa Addaamiin dhufe agarsiisu fidha (lak 5). Garuuu caalmaatti kam akka agarsiisu ifa miti.

▣ **"cubbu jalatti gurgurame"** kun hiikkaansaa "gurgurameera ammas jalumaan jira' jechudha. Cubbuun ammas asitti akka abbaa gabraatti dhiyaate. seeyixaana, cubbuu, Phaawuloos ykn Waaqayyo agarsiisu mala. Kakuu Moofaa keessatti jechi Waaqayyo namoota ittin ofitti deebisuu argisiise jecha "eenyaa" ykn "furaa" (fi moggoyyasaanii) ka'umsarratti "bitanii deeffachu" jechudha (fi moggoyyaasaa (mataduree addaa 3:23 ilaalaa) yaadni faallaa kanaa Guutoon asitti tajaajile "harka … gurgurame") abboota Firdi 4:2; 10:7;1Sam12:9)

**7:15-24** Ilmi Waaqayyoo "humna uumaa" qaba (2Phex 1:4) garuuumoo humna kufaatis (Gal 5:17 ni qaba. Cubbuun akka hin hojjenne taasifame (Rom 6:6), garuuu shaakalli namootaa boyana 7 duuka bu'e Yihudoonni saree lama garaadhaa qabu. adii tokkoofi gurraachaa kan isaan caalaatti sooran irra guddaa ta'aa deema.

Akkuman dubbisa kana dubbifadheen isa Phaawuloos dhukkubsateetu natti dhagahame uumama keenya lameen. Amantoonni kufaatii isaanii irraa walaboomanii jiru, garuuu Waaqayyo nu gargaaree, moogsa isaaf itti fufnee gad jenna. Wanti dinqisiisaa dhugaan lolli jabaan gaafa fayyinaa booda eegala. Gaheesummaan walooma Waaqayyo wajjiin muddamaan guutameefi waldiddaa amajaajii wajjiniiti.

**7:16, 20 "yoo"** kun (first class conditional sentence) dha isa kallatti barreessichaa ykn akeeka barreeffamaaf dhugaadha jedhame tilmaamama. 7:18 "waan gaariin tokkollee, ana keessa yokiis namummaa koo isa foonii keessa akka hin jirree ani beeka" Phaawuloos dhaqni qaamaa majaajii akka hin ta'iin garuuudirree waraanaa uumama kufaatiifi Afuura Waaqayyoo giddu akka ta'e mirkaneessa. Giriikonni dhaqni, waan hundasaa wajjiin, amajaajiidha jedhu. Kunimo gara faallaa Gnosticism ti guddate (Efesoon, Qolaasiyaas, fi 1Yohaannis) Giriikonni waan afuuraafi dhaqnuma komachutti deebi'an Phaawuloos rakkina afuuraa akkanatti hin ilaalu. Inni cubbu namoomseeti ganiinsa sanyii namaa akka carraa itti amajaajiin uumama namaa weerartee seera Waaqayyoon ala isa gootetti fudhata. Jechi "foon" jedhu barruu Phaawuloos keessaa (1) qaama dhaqnaa isaa haamileen walabaa (1:3; 2:28; 4:1; 9:3, 5) fi (2) kufaatii cubbuu Addaam irraa dhaalame (lak 5) 7:20 "cubbuun isa keessa koo jiru" kitaabni Roomaa waan nama gammachiisu keessaa hanga 6:20ti cubbuu namaa agarsiisu malee seyxaana maqaa hin kaafne. Namoonni rakkina cubbuu isaaniif seeyxaan komachu hin qaban. Filannoo qabna cubbuun akka mootiitti, abbaa irreetti, akka baasee ofiin akka bullu gama hundaan nu sossobeera. Phaawuloos cubbu namoomsuun isaa filannoo namootaa isa Uma 4:7 irra jiruun firoomsuuf ta'a.

Phaawuloos jecha "keessa koo" jedhu heddu dhimma itti baheera. (lak 17,18,20) uumamni cubbuu kun fayyina irratti hin badu, hin haqamu, garuuu akka hin hojjenne taasifama. yoo nuyi afuura keessa keenyaan waliigalle inni moo humna dhabinsi isaa ittuma fufa. (8:9,11) Waaqayyo amajaajii dhuunfaa (seeyxaanaafi Waaqoli tolfamo) fi namoomaa (barruuf) irra nama aansuuf waan hundaa dhiyeessee jira. Innis humnaafi argamu afuura qulqulluuti. Akkuma kenna fayyinaa tola Waaqayyo fudhanne, daran humna sodaachisa kenna afuura qulqulluus fudhachuu qabna. Fayyinniifi jireenyi kiristaanummaa hojii guyyuu murtoo amantoota guyyuun kan eegalame xumuramudha. Waaqayyo wanna barbaadnu cufa: afuura (Rom 8) meeshaa afuuraa (Efs 6:11), muldhata (Efs 6:17) kadhata (Efs 6:18)

Lolichi hamaadha (Rom 7) mohichi garuuu jira (Rom 8)

**7:21-25**

**[21]Egaa ana isa waan gaarii hojjechuu barbaadutti, wanti hamaan harka kootti dhufuun seera ta 'uu isaa nan arga. [22]Ani keessa namummaa kootiitiin seera Waaqayyootti nan gammada. [23]Seerri kan biraa immoo bu'aa dhagna kootii keessaa, seera isa yaadni garaa kootii fudhatee wajjin utuu wal loluunan arga; lola kanaanis seera cubbuu, isa bu'aa dhagna kootii keessatti hojjechaa jiru jalatti na boojisiisa. [24]Ana nama gadadamaa, foon isa gara du'aatti na geessu kana harkaa eenyutu na baasa? [25]Karaa gooftaa keenyaa Yesus Kristos Waaqayyoof galanni haa ta'u! Akka kanatti, ani ofii kootii yaada garaa kootiin, seera Waaqayyoofnan hojjedha; namummaa koo isa fooniitiin garuuu seera cubbuuf nan hojjedha.**

**7:22 "seera Waaqayyoo"** hihudootaaf kun seera Muuseeti. Warra al-yihudaa ta'aniif (1) ragaa uumamaa (Rom 1:19-20 Far 19:1-6); (2) haamilee keessa sammuu (Rom 2:14-15) ti (3) safuu hawaasaa ykn barmaata.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"keessa namummaa"** |
| **KJHH** | **"akkaataa keessa namaatti"** |
| **KQSHH, NKQJ** | **"keessa namooma kootti"** |
| **TIV** | **"keessi kiyya"** |

Phaawuloos alaa (dhaqna) namaafi keessa (afuura) nama fuggina 2Qor 4:16 keessatti. yaada kana keessatti Guutoon kun kan agarsiisu qaama Phaawuloos iddo sana ykn namooma fayye isa seeraafi fedha Waaqayyoo mirkansudha.

1. "seerichi afuura" 7:14
2. "Wannin godhuu jaaladhu" 7:15
3. "Seeratti ni bula, seerichis gaarii ta'uu dhugaan baha" 7:16
4. "fedhiin na keessa jira" 7:18
5. "gaariin ani barbaadu" 7:19
6. "amajaajumma hin barbaadne hoomisha" 7:19
7. "yoon yaadu isaaniin barbaadneen godha" 7:20
8. "namni gaarii gochuu hawwu" 7:21
9. "seery Waaqayyootti jaalalaan mohameera" 7:22
10. "seerri sammuu kiyyaa" 7:23
11. "aniifi sammuun koo seera Waaqayyo tajaajilla" 7:25

Boqonnaa 7 beekkomsi waa'ee Waaqayyoofi sagalee isaa qofti gahaa akka hin taane agarsiisa. Amantoonni Hafuura isaan barbaachisa (Boqonnaa 8).

**7:23** lakkoofsa 6:2; 8:2 fi 7:23 giddu fugginni sirrii ni jira. Lakkoofsi kun Phaawuloos akka seeratti fayyadame sirriitti ni agarsiisa. (1) seera cubbuu (lak 21, 25) fi (2) seera Waaqayyo (lak 22, 25. Ammaan dura Phaawuloos lak. 4, 5, 6, 7, 9. fi 12 keessatti jechicha Kakuu Moofaaf fayyadameera. Phaawuloos hayyu xinamantii mala maltuu miti. Yaaduma "seeraan" falmata. Gama tokkoon mulata Waaqayyoo, kenna dinqi namootaa, gama kaaniin isa cubbu ibsee daangaa itti godhe namoonni eeggachuu dadhaban sana. Daangaan kun mul'ata Km qofa miti, garuuu qajeelchi haamileeti: Muldhata uumamaa (Far 19, Rom 1:18-33:31) ykn barmaataafi safuu hawaasaati. Namoonni gantoota warra jireenya isaanii gutummatti of to'atanii jiraachu fedhan.

**7:24** kun dubbii nama fayyeeti? Gaariin miti jedha, kanaaf boqonnaan kun kan agarsiisu namoota hamiilee, amantii garuuu lubbu hin bitamiinidha. Gariin ammooo, eeyyee, kaniinni agarsiisu muddama wangeelaa "isa darbeefi ammale hin xumuramiin) lubbuu amantoota keessaati jedhu 2tti guutamni iskaatolojical hanga amma hin raawwatamne Amantoonni bilchoo hanqina kana ni hubatu.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"foon isa gara du'aatti na geessu** |
| **KJHH, KQSHH** | **"dhaqni du'aa kun"** |
| **TIV** | **"dhaqna isa gara du'aatti nageessu kana"** |
| **NKQJ** | **"dhaqni du'aan kun"** |

Dhaqniifi sammuun ofiin amajaajii miti. Jireenyaaf pilaaneta kanarraafi walooma Waaqayyoof jecha Waaqayyoon uumaman. Uumamn isaanis "baayye gaarii" ture (Uma 1:31) Garuuu Uma 3 sanyi namaa jijjiiree akeeka Waaqayyos dabse. Addunyaan kunis isii Waaqayyo akeeke miti, nuyis saba Waaqayyo yaadda'e miti. Cubbuun uumama akka hin taanetti miidha. Cubbuun waan gaarii fudhachuun ofittummaa amajaajiitti hodhite. Dhaqnis dirree waraana qorumsaa fi cubbuu ta'e. Phaawuloos lolichi xannacha itti ta'e. Iniis bara haarawaa, dhaqna haarawaa, walooma haarawaa (8:23) Waaqayyo wajjiin barbaada ifaaja.
7:25 kun dhimbiibbaafi cehumsa gara Roomaa 8ti. Haa ta'uuti boqonnaa 8 keessatti muddamni kun lak. 5-11 keessatti mul'ateera.

Gaaffiin hiiktootaa Phaawuloos waa'ee eenyu dubbataa jiraa? isa jedhurra naanna'a.

1. Waa'ee isaafi muuxannoosaa yihudumaa
2. kiristaanota hundaa
3. Addaam akka fakkeenya namootaatti
4. Israa'eeliifi beekkomsa seeralli, garuuu abboomamu dhabushi

   Akka dhuunfaatti #1 fudha (lak 7-13, 25b) fi #2 (lak 14-25a) ilaa qabiyyee Rom 7:u-25 ilaalaa. dhibeefi gidiraan boqonnaa 7 darbee boqonnaa 8ti walfakkaate muldhata.

▣ **"Waaqayyoon haa galatu"** mataduree adda aanee jiru ilaali.

**MATADUREE ADDAA : JAJATA, KADHATAAFI GALATA PHAAWULOOS**

Phaawuloos nama dinqisiifannaati. Kakuu moofaa ni beeka. Tokkoon tokkoo hirtaa afran duraa (kitaabaa) faarsaa galataatiin xumrame (Fars 41:13; 72:19; 89:52; 106:48) Inni Waaqayyoon karaa heddu jajataafi galateeffata ture.

1. Buufta xalayoota isaa duraa irratti
   a. naga gaaffii jalqabaa (Rom 1:7; 1Qor 1:3; 2Qor 1:2)
   b. eebba jalqabaa (eulogetos 2Qor 1:3-4; Efs 1:3-14)
2. jajata xixiqoo dhootee baatu
   a. Rom 1:25; 9:5
   b. 2Qor 11:31
3. doksoloojii (1) (ulfina) fi (2) ("yoomu yoomumaa")
   a. Rom 11:36; 16:25-27
   b. Efs 3:20-21
   c. Filp 4:20
   d. 1Xim 1:17
   e. 2Xim 4:18
4. Galata kennuu (eucharisteo)
   a. Jalqaba xalayaa (Rom 1:8, 1Qor 1:4; 2Qor 1:11; Efs 1:16; Filp 1:3; Qol 1:3, 12; 1Tas 1:2, 2Tas 1:3; Film lak 4 1Xim 1:12, 2Xim 1:3)
   b. Yaamicha galataa (Efs 5:4, 20; Filp 4:6; Qol 3:15, 17; 4:2; 1Tas 5:18)
5. galata xixiqo dhootee baatu
   a. Rom 6:17; 7:25
   b. 1Qor 15:57
   c. 2Qor 2:14; 8:16; 9:15
   d. 1Tas 2:13
   e. 2Tas 2:13
6. Eebba xumuraa
   a. Rom 16:20,24
   b. 1Qor 16:23-24
   c. 2Qor 13:14
   d. Gal 6:18
   e. Efs 6:24

**GAAFFIILEE MARIIDHAA**

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti. Kanaafu hiikkaa kitaaba qulqulluu keetiif itti gaafatamoodha. Tokkoon tokko keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni quqlulluu keetiifi afuurrii quqlulluu hiikkaa keessatti dursitoota. Ibsaa wajjin walitti laaquu hin qabdu.

Gaaffileen marii kunneen kan dhiyaatan dhimmoota muummee kutaa kanaa kan ta'an irratti akka ati yaadduuf akka sigargaaraniif. Isaanis warra ilaalcha daddammaqsan malee ibsa barbaadan miti.

1. Akkamitti boqonnaan 6 boqonnaa 7ti firoomaa?
2. Waltti dhufeenyi seerri kakuu moofaafi amantoota kakuu haarawaa maalii? (2Qor 3:1-11; Zbr 8:7,13)
3. Phaawuloos fakkeenyi lama inni boqnnaa 6 fi keessatti walitti dhufeenya keenyaafi jireenya keenya durii ibsuuf itti fayydame maalii?
4. Akkamitti kiristaanni seera Muuseetti firoomaa?
5. Garaagaruummaa ofusamaafi tiyoori bakka bu'ummaa hiikkoo Roomaa 7:7-25 giddu jiru afaan keetiin ibis.
6. Roomaan 7 ibsa namoota dhabamee, amantoota hin bilchaanne moo amantoota hundaati?

# ROOMAA 8

| HIRAMSA BUUFATAA IIKAA HAMMAYYAA | | | | |
|---|---|---|---|---|
| **YBS[4]** | **KJHH** | **KQSHH** | **TIV** | **KQJ** |
| Jireenya afuuraa | Lubbuu keessatti walabomu | Hojii fayyisuu Waaqayyo | Jireenya afuuraa | Jireenya hafuuraa |
| 8:1-11 | 8:1-11 | 8:1-4 | 8:1-8 | 8:1-4 |
| | | Jireenya foniifi afuuraa | | |
| | | 8:5-8 | | 8:5-11 |
| | | 8:9-11 | 8:9-11 | |
| | | Afuuraafi gudifata | | |
| 8:12-17 | 8:12-17 | 8:12-17 | 8:12-17 | 8:12-13 |
| | | | | Ijoollee Waaqayyoo |
| | | | | 8:14-17 |
| Ulfina ta'uuf jiru | Rakkinaa ulfinaatti | Abdii guutamu | Abdii fuula duraa | Ulfina iddoo keenya |
| 8:18-25 | 8:18-30 | 8:18-25 | 8:18-25 | 8:18-25 |
| | | Dadhabinni namootaa ni dheerata | | |
| 8:26-30 | | 8:26-27 | 8:26-27 | 8:26-27 |
| | | | | Waaqayyoo ulfina isaaf nu yaame. |
| | | 8:28-30 | 8:28-30 | 8:28-30 |
| Jaalala Waaqayyo | Jaalala Waaqayyo dhuma hin qabne | Waaqayyootti of gatuu keenya | Jaalala Waaqayyoo karaa Yesuus Kiristoos | Faaruu jaalala Waaqayyo |
| 8:31-39 | 8:31-39 | 8:31-39 | 8:31-39 | 8:31-34 |
| | | | | 8:35-37 |
| | | | | 8:38-39 |

**MARROO DUBBISAA SADII (ful viii ilaali)**
***FEDHA BARREESSAA KA'UMSAA SADARKAA BUUFAAATTI HORDOFUUN***

Kun ibsituu qajeelcha qoa'nnooti. Kanaaf hiikkaa kitaaba qulqulluu keetiif ittigaafaamoodha. Tokkon tokkoo keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati kitaabni qulqulluu keetiifi afuurri qululluu hiikkaa keessati dursitoota. Ibsaa wajjiin walitti laaquu hin qabdu.

Boqonnicha taa'umsa tokkoon dubbisi. Dhimmsaa addaan baafadhu. Hiramsa buufaa kee hiramsa hiikkaalee sahan dura ibsamani jiran kanaan biraqabii ilaalii. Buufanni afuuraahuun miti, garuuu fedha barreessaa ka'umsaa hordofuun furtuudha, sun immoo ifa hiikkooti. Buufanni dhimmaa tokkoofi tokko qofaa qaba.

1. Buufaa duraa
2. Buufata lammeessoo
3. Buufata sadeessoo
4. Kkf

**Ilaa Qabiyyee**

A. Boqonnaan kun dhiitoo dubii Phaawuloos 1:18 keessati eegalmeeti. Balaaleffannoo malee (ejjennoo seeraa) eegale adda bahinsa male xumurame (walooma dhuunfaa). Xinamatin qajeelummaa irraa ka'ee eebba keessa darbee gara ulfina (lak 29-30) dhaqa.

B. Kun Phaawuloosiif guddina xinamantiitti kenna hafuuraa Waaqayyoo amantootaaf (dhiyeessii Yohaannis Yoh 14:12-31; 16:7-16 keessatti) kenned ha. Afuurri bikka gochima lak 14 keessati wangeela jireenya namoota kufaatii keessati hojjechisutti firoomsedha. Afuurri, isaan wajjiin, keessa isaanii wajjin hidhae keessa isaanitti kiristoosiin uumudha. Boqnnaan I jecha afuura, pheuma, jedhu si'a 21 ol fayyadame hoggu boqonnaa 7 keessatti gonkuma hin tuqamiinitti. (akkasumas boqonnaa 3-6 keesatifi boqonnaa 1-2 keessati si'a sadii muldhateera).

C. Jireenya keessati kallatti lamatu jiran (ilaalcha namootaa xonnoqa jireenyaa lama, daandii lama, (dhiphaafi balloo) namoonni hordofan, asittimmoo fooniifi afuura. Tokko jireenyati, kaanimmoodu'ati gesso. Kun akka haasawaafi "daandii lameen" ogummaa hogbarruu Kakuu Moofaa (Far 1, fi Fak 4:10-19) je'ama jireenyi bara baraa, jireenyi hafuuraa waan muldhatu qaba. (SS fooniin duuba, afuuraan duuba)

Seeyxaanni yaada xinamantii kana keessatti (Rom 1-8) utuu in tuqamiin hafuu yaadadha. Roomaa keessati hanga 16:20ti hin tuqamne. Xiyeeffannoonkufaati ilmaan namoota akka Addaam sanidha. Kun akkaaaa Phaawuloos itti dhiifama kufaatii namootaa (S.S "Seeyxaanni akkan godhu na godhe) qorumsa umgarara fara Waaqayyo ta'anirrati jirudha. Sanyin namaa itigaafatamoodha.

D. Boqonnaan kun tareechuuf rakkisaadha. Sababni isaas yaadichi dhugaa heddu walitti dhahuun akkinaan akka deddeebi'e mul'atu waan godhefi, kutaa yaadaa, maleedha.

E. Lakkoofsi 12-17 jiru mirkansa amantii amantoota adeessa
   1. Inni duraa ilaalcha addunyaa jijjiiramtuufi xonnoqa jireenyaa karaa afuuraa raawwatu
   2. Lammanni sodaan Waaqayyoo qabnu karaa afuuraa gara jaalala maatummaatti deebi'u.
   3. Sadanni mirkansa ilmummaa keenyaa hafuura qulqulluu nu keess jiruun ta'uusaa.
   4. Arfanni mirkansi kunu rakkina addunyaa kafuaati kana keessattuufi qabsoottu ta'uusaa addeessa.

F. Lakkoofsi 31-39 argaa dhadhachaati, teknika raajoota Kakuu Moofaati. Waaqayo abaa murtiidha, seeyxaanni abaa halange Yesuus abukaatto, ergamoonni Waaqayyo taajjabdoota. Amantoonni moo himatamtoota seeyxaanaati.
   1. Jecha seeraan
      a. Farra Kenya (lak 33)
      b. Himaa (lak 33)
      c. Murtii (lak 33)
      d. Balaalleffannoo (lak 34)
      e. Araarsituu (lak 34)
   2. Qorachuu "eenyu" (lak 31, 33, 34 (thrice) 35)
   3. Dhiyeessi Waaqayyoo Kiristoosiin (lak 32, 34b)
   4. Waaqayyotti adda bahuun hin jiru
      a. Haala biyya lafaa (lak 35)
      b. Kakuu Moofaa waraabi Far 44:22 (lak 36)
      c. Inifannoo (lak 37,39)
      d. Umagaraaa ykn bakka bu'a (lak 37-39)

**Qo'annoo Jechaafi Gaalee,**

**8:1-8**
[1]**Egaa amma firdiin, warra Kristos Yesusitti qabamanii jiraatanitti faradamu tokko illee hin jiru.** [2]**Seerri hafuuraa inni karaa Kristos Yesus nama jiraachisu, seera cubbuu isa du' atti nama geessu jalaa si baaseera.** [3]**Sababii nama fooniitiif seerri hojii isaa hojjechuu dadhabe. Waaqayyo ilma ofii isaatii ergee, cubbuu isa nama foonii keessaatti farade; ilmi isaa kun foon isa namni cubbamaan uffatu uffatee,cubbuu balleessuu dhufe.** [4]**Wanti seerri nu irraa gaafatu, nuyi warra akka fedha hafuuraatti malee fedha fooniitti hin jiraanne keessatti, akka raawwatamuuf Waaqayyo kana godhe.** [5]**Warri akka fedha fooniitti jiraatan, yaada isaanii fedha foonii irra dhaabaniiru; warri akka fedha hafuuraatti jiraatan garuuu, waa'ee waan hafuuraa ni yaadu.** [6]**Yaada ofii fedha fooniitti hidhuun du' a ni fida;. yaada ofii fedha hafuuraatti hidhuun garuuu, jireenya, nagaas ni fida.** [7]**Akka fedha fooniitti yaaduun diina Waaqayyoo nama godha; yaadni akkasii seera Waaqayyootii wajjin waIii hin galu; isaaf abboomamuus hin danda'u.** [8]**Warri akka fedha fooniitti jiraatan, Waaqayyoon garaa ciibsuu hin danda'an.**

**8:1**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"Egaa amma"** |
| **KJHH, KQSHH** | **"Amma egaa"** |
| **TIV** | **"Ni jira"** |
| **KQJ** | **"Sababa kanaa"** |

Kun yaada darbetti debi'ee firoomsa. Gariin 7:24-25ti akka firoomu yaadu garuuu irra caala 3:21-7:25 deebin fakkaata

▣ **"hin ta'u"** hima Giriik keessa ture. Wara Kiristoosin jian iratti "balaaleffannoon hin jiru" (lak 1-3) fi warra akka fuuraati (lak 4-11) socho'anii irate xiyyeeffannodha. Asitti garlameen kakuu Haarawaa: (1) Kiristoosin kenna tolaa ta'uu, fi (2) bidiqa jireenyaafi debii kakuu gaafachu isaatu qajeelumaan qaaamaa (indicative) fi yaada dhuunfa (imperative) lameen yaada ofii ibsuufi biddiqa jireenyaati.

▣ **"faradamuu"** jechi katakrima" jedhu sepuagint, keessatti hin fayyadne, garuuu Deb 27:26 keessati abaarsa himata hin qabne agasiise. Kun jechuun "adaba murtiitti aane kennamu" jechudha. Seera qabeessa, faala murtii qorannoo yakkaa. Inu barreeffama Phaawuloos (5:16,18) keessatti malee iddoo Biroo Kakuu Haaraa waa dabaleera.

Hikkaan Kingi Jamsi moo lakkoofsa 1ti waa dabaleera "isa foniin adeemu miti isa fuuraan adeemu" Gaalen kun barruu Isiriikota heddu keessa hin jiru. Hiikkaan kun YBS[4] ni hambise. Lak 4 keessati mula'te. Lak 1 keessati iddo sirrii argata, lak 1-3 eea gita haasa'u, wayita lak 4-11 eebba shaakalaa ykn Kiristoosin fakkaachuu haasa'u Miljaleen fuula 289 kitaaba Wiliyaam $. Neweels, Romans Vers by Vers. (Mody, 1938) akkas jedha.

"Hiikkaan fooyya'e dhugumatti" isa fooniin adeemu miti isa afuuraan adeemu" ini jedhu hambifameera. Eegi hiikka Kingi Jamsi, waggaa 300 ol baayyen filatamoonni, siri kan ta'an, barruu Giriikota of harka qabnu; kan argannes: jabinaan namoonni Waaqayyoo suuta hojii dadhasiisa, garuuu firii qabeessa dogoggora sirreessu irratti hojjetaniiru: Barruu ka'umsa hin qabaatiinmalee: Waaqayyo dhokseera. Akka ijoollee Waaqayyoo hin eejjineef jedhe.

Lakkoofsa 1 "Kiristoos Yesuusiin" jenne qabna, kunis sababa 4 qaba. 1. Barruun Giriikii ragaaaf nuu ta'u hafuu gaalee kanaa "isa fooniin adeemu miti isa fuuraan adeemu" fi ni deggera; akka duniyaattis lak 14 ti makamu deeggara (2) Afuurri hubannoos waliigala, galeen kun lak 1 yoo dabalame nagenyi keenya demsa keenya irratti hirkata malee afuura Waaqayyo irrati hin ta'u. Garuuu wari Kiristoos Yesuutti jiran hundinuu balaaleffamu jala hin jirani,kun hojii ergamooa keessatis huatameera. Kanaa yo hin ta'iin nageenyi keenya deemsa keenya malee gita Kiristoosin qabnuun hin ta'u jechudha. (3) gaalimni kun idon sirrii isaa xumua lak 4 ti, iddootti amalli deemsa amantootaa, iddotti balaaleffannoo jalaa bahuun kansaanii hin taanetti, itti ibsame, (4) gaallimni xumura lak 1 irra inni jiru hiikkoo Kingi Jamsi keessatti gloss (miljalee ta'e) mulate, hambifamu iti barruu gurguddoo keessattis, Aleph, A,B,C,D,F,G;A;D; akkasumas hiikka durdurii (Olshausen, Meyer, Alford, J.F & B, fi Darby's Synopsis keessati marii gaarii kaaseera)

Waaqayyo sagaleen isaa akka hiikkamu ni barbaada, ammalle itti fayyadama irratti wanti muldhatu kakuu haarawaa afaan Giriik isa kakuu moofaa, Septuagint afaan Ibrooaa irraa gargalfame keessatti ni jira.

Barruu Waaqayyo nuuf dhiisee jiru kana irratti jireenya isaanii guutuu dabarsuun qo'atanii warra asiin nuuf gahaniin, fi wara akkuma keenya hiikka baayyi dinqi ta'een nuun gahan Waaqayyoon galateeffanna. Hayyoota akkanaa warra amalbadaa "hammayyoota" (ykn akka duriti qeeqxota olaanoo" ofin jedhan) irraa adda banana, isaan waan Waaqayyo kitaaba qulqulluu keessaan jechu fedhe. Odoo nama hin leeyaasifnaee" (ful 289)

▣ **"warra Kiristos Yesuusitti qaamanii jiran"** Guutoon Phaawuloos kun qixa haasawa hammayya amman" walitti dhufeenya dhuunfaa" nuti jennuuti. Phaawuloos jaalatamu, tajaajilomufi gammachuu Yesuusiin ni beeka. Wangeelli lama, ergaa itti amaniifi nama, ana haa dhufu jedhamudha. Humni jireenya kan argate walitti dhufeenya Kiristoos du'aa ka'een argateeni, karaa Damaasqo irratti. Muuxannoon isaa kan Yesuus xinamantii Yesuus isa durse. Shaakali isaa Yesuusin qabu. Iccitii dhoksaa odoo hin taane tajaajila gara jabeenya argamsiiseef. Isa bekuun isa tajaajiludha. Kiristaanni bilchoon ergaadha, namadha, biddiqa jireenyaati (yaadanno 1:5 lad 8:2 "seerri hafuuraa … sera cubbuu isa du'aati" kun moo kan agarsiisu. (1) fugina seera cubbuu (Rom 7:10, 23, 25) ti seera Waaqayyoo haarawa (Rom 7:6, 22, 25) giddu jiru (2) "Seera jaalalaa" (Yokaas 1:25; 2:8, 12) fi "seera Muusee" (7:6-12); (3) bara duriifi bara mmaa, ykn (4) kakuu Moofaafi kakuu Haarwaa (erm 31:31-34; kitaaba Kakuu Haaraa Ibrootaa)
Biddiqni fugginaa kan waaru

1. Seera afuuraa jireenyaa Kiristoosiniifi seea cubuufi du'a lak 2
2. Akka fooniitti fi akka afuuraatti lak 4 fi 5
3. Wantoota fooniifi wantoota afuuraa lak 5
4. Yaada sammuu wantoota foonii irrattiifi yaada sammuu wantoota afuuraa irratti lak 5
5. Yaada sammuu fooniirratiifi yaada sammuu afuuraratti lak 6
6. Foon keessattiifi afuura keessatti lak 9
7. Dhaqni du'aa dha fi afuurri jiraataadha lak 10
8. Ni duutaafi ni jiraattaa lak 13
9. Afuura gabrummaa mitifi afuura guddifataa lak 15

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KQSHH, KQJ** | **"jalaa si baaseera"** |
| **KJHH, TIV** | **" jalaa na baaseera"** |

Lakoofsa 2-3 ergaa xumura boqonnaa 6ti bakki maqaa hedduun barru Giriiki durii kessatti jiru "ana barruu A, D, K fi P keessatti "ati" B, F fi G keessatti argamu. Bakki maqaa "nuyi" jedhu barruu Unical keessati booda mul'ae. Warri YBS[4] "ati" kanaaf "B" kennu, warri YBS[3] moo "D" kennu (rakkisaa)
Niwmaaniifi Nidaan "A" Translator's Hand book on Paul's Letter to the Romans, akki jedhanitti "barruu Giriik YS "ana" f "C" kenneeti shakki guddaa akka dubbisa ka'umsaatti jedhe kaa'a" (ful 145-146)

Rakkoon bakka maqaa "nuyi" "ati/isin/si" ykn "ana/nuyi" kun bareeffama Phaawuloos afaan Giriik keessattiti.
8:3 "Seerichi hojiisaa hojjechuu dadhabe" Seri Muusee gaariifi qulqulluu dha, garuuu namni dadhabaafi cubamaadha (7:12, 16) gochimni asitti addeessa adunaton jedhudha. "hin danda'amu" (Ibro 6:4, 18; 10:4; 11:6) garuuu "jabina malee" jechudha (HoE 14:8, Rom 15:1). Seerichi fayyina fiduu hin danda'u. Faallaa sanaa garuuu, balaaleffannoo, du'aafi abaarsa ni fida.

▣ **"sababa nama fooniitiif"** kun dubii Phaawuloos boqonnaa 7ti. Seeri Waaqayyoo gaariifi qulquluudha, garuuu namoonni lubamoo, kuftoonniifi gantoonni Waaqa kana eeggachu hin danda'an. Phaawuloos akuma barsiisootaa, irraa dhufa. Uma 3 xiyyeeffannoo kenna.
▣ **"Waaqayyos ni farade: imasaa erge"** waan sanyiinnamaa bara kakuu moofaa hin godhiin, Waaqayyo kakuu Haarawaati godhe (Erm 31:31-34, Hiz 36:22-36) karaa Yesuus Kiristoos (Isa 53: Yoh 3:16). Waan alaa gaafachuura Waaqayyo afuura keessaafi laphe haarawaa gaafate. Kakuu haarawaa kun bu'uurrisaas qalbii diddirranaafi hojii Yesuus Kiristoosiinmalee hojii namootaa miti. Haa ta'uuti kakuu lameenu biddiga jireenya haarawaa fakkeenya Waaqaa namarraa eegu.
▣ **"foon isa namni cubbamaan uffatu"** Dhugana kun Filp 2:7-8 keessa jia. Yesuus dhugaa dhaqna namaa qaba (garuuu cubbuu hin qabu ture Filp 2:7-8; Ibr 7:26). Inni nuu wajjin tue. Karaa hunda qorameera akkuma keenya, cubbuu garuuu hin qabu. (Ibr 4:15) nu hubata.

▣ **“Cubuu balleessu dhufe”** yaadni kun 2Qor 5:21 fi 1Phex 2:24 keessa jira. Yesuus du’uuf dhufe (Isa 53:4-6, 10-12, Marq 10:45). Yesuus garraami (komee dhabeessi) jireenyasaa aarsa gochuuf dhufe (Yoh 1:29)
▣ **“cubuu isa nama foonii keessati faade”** duuti Yesuus rakkoo cubu namoota irrattihojjete, malee cubbuunam tokkoirratti miti. (akka seera Muusee) jireenya isaa, du’asaafi du’aa ka’unsatu akeeka Waaqayyoo lubbubituu xumure (HoE 2:23; 3:18; 4:28; 13:29) waan namoonni ta’aniifi ta’uuf jiran nu agarsiise (Yoh 13:15, 1Phex 2:21)

**8:4** Lakkoofsi kun feetu kakuu haarawaa agarsiisa (Erm 31:33 fi Hiz 36:26-27) kallattii fayyina keenyaa lama irratti hojjeta dursa Yesuus Waaqaa kakuu Moofaa guute, karaa isatti amanuudhaan qajeelummaa isaa fedha dhuunfaan alatti akka kenna tolasaatti gara amantootaatti darba. Nuyis kana qajeelummaa ykn eeba gitaa jenna. Waaqayyo amantootaaf garaa haarawaafi afuura haaawaa kenne. Amma afuura sanaan jirra, malee fooniin miti. Kun “eeba gitaa”. Kiristaanummaan kakuu haarawaa mirgoota (kenna fayyinaa) fi ittigaafata (Kiristoosin fakkaachu 6:13) dha. Haala gaddisiisuun amantoonni kanaa ala jireenya hin amalleefi fedha foonii jiraatu (1Qor 3:1-3)

▣ **“warra akka fedha hafuuraatti malee fedha fooniitti hin jiraanne”** Wanni walfakkaataa kun Gal 5:16-25 keessa jira. Qajelummaan murtidha qajeelumma biddiqa jreenyaan deggaramu qaba. Sammuufi lapheen haarawaa kakuu haarawaa bu’uura fayyina keenyaa odoo hin ta’iin, bu’aasaati jireenyi bara baraa ijaan daawwaamu qaba.

**8:5** Phaawuloos jireenya “foonii” fi “afuuraa” lak 5-8 “hojii foonii” Gal 5:19-21 fi “firii afuuraa” 5:22-25) fugginsa.

**8:6** **“yaada ofii”** yihudooni ijaafi gurri foodaaa lubbuu ta’u ni hubatu. Cubbuun yaada keessatti eegala. Nuyis waan keessa keenyaarra dhaabanna (Rom 12:1-2, Fil 4:8)

Phaawuloos ilaalcha barsiisoota aadaa “fedha” (Yetzers) namootaa isa jedhu hin hordofu. Phaawuloosiif “fedhii”gaariin uumama kufe kana keessa odoo hin taane jijjiirama keessa jira. Phaawuloosiif waldiddaa afuuraa (Yoh 16:7-14 keesaa kan kakaasu Afuura Qulqulluu keessa keenya jirudha.

▣ **“jireenya”** Jireenya bara baraa, jireenya bara haarawaa agarsisa.

▣ **“nagaas”** Jechichi ka’umsatti “isa cabe walitti dhinsuu” (Yoh 14:27, 16:33; Filp 4:7) jechudha. Mataduree addaa: Nagaa 5:1 ilaalaa. Kakuu Haaraa karaa sadii waa’e nagaa haasawa:

1. Kaayyoo dhugaa nageenya Waaqayyo karaa Kiristos qabnu (Qol 1:20)
2. Dhimma miira keenyaa Waaqayyoon qajeelo ta’uu (Yoh 14:27; 16:33 Filp 4:7)
3. Waaqayyo, karaa Kiristoos nu tokomsuu (Yihudootaati Ormoota) (Ef 2:14-17; Qol 3:15)

8:7-11 Phaawuloos sanyi namaa Waaqayyoon alatti karaa heddu ibseera (1) jibba Waaqayyoo lak 7 (2) dhima Waaqayyo ala ta’u lak 7(3) Waaqayyon gammachiisu dhabuu lak 8 fi (4) afuuraan du’a isa du’a bara baraa fidu lak 10-11. Cinaayina Rom 5:, 8 fi 10 keessaa ilaalaa.

**8:7**

| | |
|---|---|
| **NAS, KQSHH** | **“Akka fooniitti yaaduun diian Waaqayyo nama godha”** |
| **KJHH** | **“Sammuun fedhe fonii Waaqayyotti diina”** |
| **TIV** | **“Namoonni diina Waaqayyoo ta’an”** |
| **NKQJ** | **“Ilaalchi jeeqamaa uumama namaa faallaa Waaqayyooti.”** |

Guutoon kun “akka fooniitti yaaduun du’a” isa jedhu lak fi “warra akka fooniitti jiraatan” jedhu lak 5 wajjiin cinaayina. Hubadha, daran, kufaatin uumama namaa yaada sammuu (ilaalcha addunyaa) fi biddiga jireenya (7:5) ti.

▣ **“isaaf abboomamuus hin danda’an”** kufaatin sanyinamaa Waaqayyoon hordofuu filachu dhabuusaa miti, Waaqayyoon hordofuu dadhabuusaa malee. Kuftuun sanyi namaa, gargaarsa afuura qulquluu malee, wanoota afuuraaf debi kennu hi danda’u. (Isa 53:6, 1Phex 2:24-25) Waaqayyo yeroo hundumaa ka’umsa ofii fudhata (Yoh 6:44:65)

**8:8 "akka fedha fooniitti kan jiraattan"** Phaawuloos gaalee kana kaaa lama fayyadama (1) dhaqna qaamaa (Rom 1:3; 2:28; 4:1, 9:3, 5 fi (2) carraaqqii namootaa Waaqayyoon alaati (Rom 7:5, 8:4-5) Asitti #2dha. Gantummaafi hin amaniin hafuu aarsiisa.

**8:9-11**
**[9]Hafuurri Waaqayyoo yoo dhuguma isin keessa jiraate, is ni akka fedha hafuuraatti malee akka fedha fooniitti hin jiraattan; namni hafuura Kristos of keessaa hin qabne, kan Kristos miti. [10]Kristos isin keessa erga jiraatee, dhagni keessan sababii cubbuutiif du' aa yoo ta' e iyyuu, sababii qajeelummaa argattaniif hafuurichi jireenya isiniif ta'a. [11]Hafuurri Waaqayyoo inni Yesusin warra du'an keessaa kaase, isin keessa yoo jiraate, inni Kristosin warra du'an keessaa kaase, hafuura isaa isa is ni keessa jiraatuun, dhagna keessan isa du'us immoo ni jiraachisa.**

**8:9 "yoo"** Hima haalimaatu lak 9, 10, 11, 13 (si'a lama), 17 (si'a lama) jira. Hundi (first class conditional sentence) dha, isaanis kallatti barreessichaa ykn akeeka barreeffaama dhugaadha jedhame tilmaamama. Phaawuloos dubistoonni ergaasaa waldaa Roomaa kiristaanoota jedheeti tilmaama (lak 9a)

▣ **"Afuura Kiristoos"** Namoonni ykn afuura ni qabu amantootadha ykn afuura hin qaban afuuraanis dhabamaniiru. Hafuura Qulqullu fayinati arganne. Isa hin barbaadnu, Inni nu barbaada.

Guutoon "Hafuura" jedhu 9a irraa "hafuura Waaqayyoo" jedhu 9b irra fi "hafuura Kiristoos" jedhu 9c irra hundi moggoyyadha.

**MATADUREE ADDAA : YESUUSIIFI HAFUURA**

Hojii hafuuraafi ilmaa gidduu hdagalaasatu jira. G. Kampbeel Morgaan, akka jedhe maqaan Biroo Hafuura "Yesuus Biroo" dha. Kanaa gadi madaalli hojiifimaqaa ilmaafi Hafuuraatu jira.

1. Afurri "afuura Yesuus" ykn moggon yaamama (Rom 8:9, 2Qor 3:17, Gal 4:6; 1Phex 1:11)
2. Lameen jechuma tokkon yaamamu
   a. Dhugaa
      1) Yesuus (Yoh 14:6)
      2) Afuura (Yoh 14:17; 16:13)
   b. "abukaattoo
      1) Yesuus (1Yoh 2:1)
      2) Afuura (Yoh 14:16, 26; 15:26; 16:7)
   c. Qulquluu
      1) Yesuus (Luq 1:35; 4:34)
      2) Afuura (Luq 1:35)
3. Amantoota keessa lameenu jiru
   a. Yesuus (Mat 28:20; Yoh 14:20, 24; 15:4-5; Rom 8:10; 2Qor 13:5; Gal 2:20; Efs 3:17; Qol 1:27)
   b. Afuura (Yoh 14:16-17; Rom 8:9,11; 1Qor 3:16; 6:19; 2Xim 1:4
   c. Akkasumas Abbaa (Yoh 14:23; 2Qor 6:16)

**8:10 "Kiristoos isinkeessa jira"** "isin" inni jedhu dachaadha. Jechi kiristoos jedhu afuuraa/ilma keessa jiru (Yoh 14:16-17, Qol 1:27) dha. Namoonni ilma/afuura ni qabu, kanaachi Kirisaana miti. (1Yoh 5:12) Phaawuloosiif "kiristoosiin" akkuma "afuuraanii" tu yaada xinamantiiti.

▣ **"dhaqni kessan sababa cbubbuutin"** du'aa yoo ta'eeyyu" kirisaanonni mataansaanii ni du'u, sababa Addaam, cubamuutti, addunyaa kufaatiif fi gantummaa dhunfaa (5:12-21). Cubbuun yeroo hunda hojii hojjeta. Duuti afuura (Uumama 3, Efs 2:1) du'a dhaqnaa (Uma 5, Ibr 9:27) dhufe. Amantooni bara haarawaa afuuraa (Yo'el 2:28-29; HoE 2:16) fi bara moofaa cubbuufi gantumaa (lak 21, 35) ni jiraatu.

▣ **"qajeelummaa waan argattaniif hafuurichi jireenya isini ta'e"** Naannoo hiikkaafi bisitootati waliigala dhabuun ni jira. Waa'ee "hafuuraa" akka hafuura namaa agarsiisuu (KQSAH, ASV, NIV, TIV, RIB, Karl Barth, C.K, Barrett, Joh Murray, fi Evertt Harrison)

Yaadni dheraan hubannoo keenya gaalee ifaa kanaa ballise. Namoonni Kiristoosiin amanan ammalle du'aa jiru, sababa addunyaa kufaatii keessa jiraniifu. Haa ta'uuti jireenya bara baraa argatan (Efs 2:4-6) kun "kan dabre amma hin ta'in" muddama mootummaa Waaqayyooti. Barri moofaaniifi barri haarawaa yeroo tokko walira bu'an.

▣ **"qajeelummaa"** mata duree addaa 1:17 ilaalaa

**8:11 "yoo"** yaadanno lak 9 ilaalaa

▣ **"Hafuurri Waaqayyoo inni Yessuusiin wara du'an keessaa kaase, isin keessa yoo jiaate"** sadden tokkummaa keessaa eenyutu keessa amantoota jira? Kiristaanni baayye afuura jedhe deebisa. Kun dhuguma, garuuu dhugaa jiraataatti, sadeen tokkummaa amantoota keessa jiru.

1. Afuura, Yoh 14:16-17; Rom 8:11; 1Qor 3:16; 6:19; 2Xim 1:14
2. Ilma Matt 28:20; Yoh 14:20, 23; 15:4-5: Rom 5:10; 2Qor 13:5; Gal 2:20; Efs 3:17; 1Qor 1:27
3. Abbaa, Yoh 14:23; 2Qor 6:16

Guutoon kun Kakuu Haaraa hojii lubbuu bituu keessatti sadeen tokkumma shoora qaban agarsiisuuf carraa gaarii uume.

1. Waaqayyo Abaan Yesuusin kaase (HoE 2:24; 3:15; 4:10; 5:30; 10:40; 13:30, 33, 34, 37; 17:31, Rom 6:4, 9; 8:11, 10:9; 1Qor 6:14; 2Qor 4:14; Gal 1:1; Efs 1:20; Qol 2:12; 1Tas 1:10)
2. Waaqayyo ilmaa of kaase (Yoh 2:19-22, 10:17-18)
3. Waaqayyo afuura Yesuusin kaase (Rom 8:11)

Xiyyeeffannoon sadeen tokkummaa lak 9-11ti keessatti mul'ateera.

**MATADUREE ADDAA : SADEEN TOKKUMMAA**

Sochii sadeen tokkummaa hubadha. Jechi "sadeen" jedhu kun dursa nama Tertuliyaan jedhamuun gudunfame) malee jcha kitaaba qulqulluu miti, yaadichi garuuu bakka hunda jira

1. Wangeela
   a. Matt 3:16-17, 28:19 (fi unaayina)
   b. Yoh 14:26
2. Hojii Ergamootaa – HoE 2:32-33, 38-39
3. Phaawuloos
   a. Rom 1:4-5; 5:1, 5; 8:1-4, 8-10
   b. 1Qor 2:8-10; 12:4-6
   c. 2Qor 1:21; 13:14
   d. Galaatiyaa 4:4-6
   e. Efesoon 1:3-14, 17, 2:18; 3:14-17; 4:4-6
   f. 1 Tasaloonqee 1:2-5
   g. 2 Tasaloonqee 2:13
   h. Titoo 3:4-6
4. Pheexiroos – 1Phex 1:2
5. Yihudaa – lak 20-21

Kakuu Mofaa keessattis fiixeen kenname

1. Waaqayyon dachaan yaamuu
   a. Maqaa Eloohim dachaadha, garuuu yeroo Waaqayyoof fayyadu gochima baaqee fudhata.
   b. "nuyi" inni Uma 1:26-27; 3:22; 11:7
2. Ergamtoonni Waaqayyo akka bakka buutota ayyaana
   a. Uma 16:7-13, 22:11-15, 31:11, 13; 48:15-16
   b. Ba'uu 3:2, 4; 13:21; 14:19
   c. Ab Firdi 2:1; 6:22-23; 13:3-22
   d. Zakkaariyaas 3:1-2
3. Waaqayyoofi afuurri adda addaa, Uma 1:1-2; Far 1-104:30, Isa 63:9-11, Hiz 37:13-14
4. Waaqayyo (YHWH) fi masiih (Adon) adda ada.
   Far 45:6-7; 110:1, Zak 2:8-11; 10:9-12
5. Masiihiifi afuurri adda adda, Zak 12:10

6. Hundi sadeen Isa 48:16; 61:1

Keessati ibsaman ayyaanni Yesuusiifi namoonni afuuraa amantoota durii warra cichitootaafi monoteeyistoota biratti rakkoo umee ture.

1. Tertullian – Ilma gargaaraa Abbaagodhe
2. Origen – Keeysa ayyaana Ilmaafi afuuraa gargaaraa godhe.
3. Ariiyus – Ayyaana Ilmaafi Hafuura ni gane.
4. Monaarkoonni – dhaaltumma hojii Waaqayyootti ni amanu.

Sadeen tokkummaa foormulaa guyyaa keessa akka seenaatti guddataa dhufedha. Akka odeeffannoo meeshaale kitaaa qulqullu irraa argamutti

1. Ayyaanni guutuu Yesuus, kan Abbaan qixxedha, D.B 325ti gumii Nishiyaan mirakanaahe.
2. Guutummaan namoomaafi ayyaanni hafuura qulqulluu, Abaafi Ilmaan qixxee ta'uun bara D.B 325ti gumii konstaantinoopilen mirkanfame.
3. Doktiriniin sadeen tokkummaa guutummatti kan ibsame hojii Awgisxoos. De Trinitate jedhu keessattidha.

Asitti dhugumatti iccitiin dinqii tokko jira. Garuu Kakuu Haaraa ayyaana guddaa tokko hojumaata namooma bara baraa sadiinibsu barbaada fakkaata.

▣ **"dhaqna keessa isa du'u moo ni jraachisa"** du'aa ka'uun Kiristoosiifi hordoftoota isa doktiriina jabaadha (1Qor 15:1 2Qor 4:14) kiristaanummaan amantoonni jireenya bara baraa keessati akka jiraatan mirkansa. (1Yoh 3:2) egaa kiristoos du'aa afuuraan ka'ee, hordoftooti isaan ni ka'u (lak 23)

**8:12-17**

**12 Egaa obboloota ko, wanti raawwachuun nuuf ta'u yoo jiraate iyyuu, akka fedha fooniitti jiraachuudhaaf isaaf abboomamuun nuufhin ta'u. 13 Akka fedha fooniitti yoo jiraattan du'uun keessan beekamaa dha, hafuuraan hojii namummaa keessan isa foonii yoo ajjeeftan garuuu ni jiraattu. 14 Warri hafuura Waaqayyootiin geggeeffaman hundinuu ilmaan Waaqayyoo ti. 15 Hafuurichi isin fudhattan hafuura ilmummaatti guddifamuu ti malee, hafuura garbummaa isa sodaa jalatti isin deebisu miti; hafuura kanaanis, "Abbaa keenya" jennee Waaqayyoon ni waammanna. 16 Hafuurri Waaqayyoo hafuura keenyaa wajjin walii galee, ijoollee Waaqayyoo ta'uu keenya dhugaa ni ba'a. 17 Nuyi ijoollee Waaqayyoo erga taanee, warra waan hundumaa argatan ni taana; waan kana hundumaas Waaqayyo biraa ni arganna; Kristosii wajjin erga dhiphannee, isaa wajjin immoo ulfaachuudhaaf, waan Kristos argatu hun dumaas isaa wajjin ni arganna.**

**8:12 "Egaa"** Phaawuloos dhiyeessi isaa itti fufa lak 1-11

▣ **"Wanti raawwachuu nuuf ta'u oo jiraate iyyu"** kun gama Biroo mirga kiristaanootaati. (14:1-15:13) kun marii eebbifamu irratti lak 1-11 godhame ira kan argamedha. Lameen eebbi gitaafi dagaagina. Ammalle amantoonni uumama kufaatiisaanii wajjiin akka falmitti jiran agarsiisa. (Roma 7). Filannoo ta'utu jira (amantii jalqabaa) fi filannoo iti fufiinsaan godhamu (amantii biddiqa jireenyaa)

**8:13 "yoo"** Hima haalimaatu lak 9, 10, 11, 13 (si'a lama), 17 ("si'a lama) jira. Hundi (first class conditional sentence) dha. Isaanis kallattii barreessichaan ykn akeeka barreeffamaaf dhugadha jedhame timaamama. Phaawuloos dubbistoonni ergicha waldaa Roomaa kiristaanota afuuraan jiraatan jedheti tilmaama.

▣ **"Akka fedha fooniitti yoo jiraattan du'uun keesan beekkamaadha"** afaanii lameen lak 13 keessa henna ammaati, waa'ee itti fufee jiru dubbata. Kitaabni quqlulluu du'a sadii agarsiisa. (1) du'a afuuraa (Uma 2:17; 3:1-7 Efs 2:1); (2) du'a dhaqnaa (Uma 5) fi (3) du'a bara baraa (Mul 2:11; 20:6, 14; 21:8). Inni dubbisa kana kessa dubbatamu du'a afuuraa Addaamidha. (Uma 3:14-19) isa du'a dhaqna sanyii namaatti fidedha (Uma 5)

Cubbuun Addaam du'a namatti fide (5:12-21). Hundi keenya fedhinnaan cubuu keessatti hirmaachuu yoo achuma keessa turuu filanne, nu ajjesa "bara baraaf" (Mul 20:6, 14, "du'a lameessoo") akka kiristaanaatti nuyi cubbuuttiifi ofitti duunee Waaqayyoof ammoo ni jiraanna (Rom 6)

▣ **"haafuuraan hojii namooma keessanii isa foonii yoo ajjeeftan garuuu ni jiraattu."** Fayyinni amantoota kan mirkanaaahun gatii argae karaa biddiqa jireenya kiristaanummaati (kitaabota Kakuu Haaraa Yoonaasfi 1 Yohaannis) amantoonni jireenya kana carraaqqii ofiin hin jiraaan, afuura quqlulluun yoo degaraman malee (lak 14) haa ta'uuti guyyu jireenyasaanii gara isaatti jilbeeffachu qaan (Efs 5:17-18)

Yaada kanaan "hojii dhaqnaa" akka jireenya bara moofaa cubbuutti ilaallama. Kun jireenya qaamaa bara baraa (8:23) ganuu miti, garuuu fugginsi afuuraa keessaa (bara haarawaa) fi qabsoo cubbuu (bara moofaa) wajjin jiru dha.

**8:14 "warri afuura Waaqayyon gegeeffaman hundinuu"** kun isa qajeelcha afuuraa Waarinsaa agarsiisudha. Afuurichi nutty afuura'ee gara Kiristoos nu geessuun Kiristoosiin nu keessati uma. (lak 29) Gara murtiiirra haala gara kiristaanummaa irra jia. Barnoota murtiin eegalee deemaa jirudha. Kun ta'a addaa yeroo ykn hojii wangeelaa hin agarsiisu. Hojii guyyuu malee.

▣ **"Ilmi Waaqayyoo"** Guutoon dacha kuni Km keessatti ergamootaafi darbee darbee namootaaf. Baaqqeen Adaammiif Israa'eliif, mootiishiifi Masiih faayidaa kennaa ture. Asitti amantoota hundaaf tajaajila. Lakkoofsa 14 keessatti jecha Giriikii huioi (ilmaan) hojiirra oole, lakkoofsa 16 keessatti tekna (ijoolle)tu tajaajile. Yaada kana keessati moggoyyaan fayyadu.

**8:15 "Afuura"** lakkoofsi kun, akka lak 10, walxaxaadha. Lubbuu sanyii namaa Kiristoosiin ykn afuura Quqluluu bitame agarsiisa. Lameenu lak 16 keessatti argamu.

Barreeffama Phaawuloos keessati iddo baayyeetti ijaarsa ser luuga kanaan waan afuurri quqluluu amantoota keessatti hoomishu agarsiiseera.

1. Asitti, "afuura gabrummaa miti," "afuura gudifataa lak 15)
2. Afuura garraamummaa" 1Qor 4:21
3. "afuura amantii (amantummaa) 2Qor 4:13
4. "afuura ogummaafi mul'ata" Efs 1:17

Phaawuloos of agarsiisuuf iddoon inni itti pneuma fayyadame baayyetu jira, keessattu 1Qornxoos (1or 2:11; 5:3, 14; 7:34; 16:8 fi Qol 2:5) yaada kanaan lak 10 fi 15 sirritti walta'a.

▣ **"afuura gabrumma isa soda jalatti isin deebisu"** amalli bara moofaa aariidha. Amalli bara haaawaa moo lak 14-17 keessati ibsameera.

▣ "ilmummaatti gudifamuu" seerri Roomaa guggifata rakkisaa godhe, garuuu takkaa taanaan, dhaabataadha. (Gal 4:4-6) dubbiin kun dhugaa xinamantii nageenya amantootaa deggera. Ilmi dhalootaa dhaala dhorkama, garuuu isa guddifataa miti,kun dubii Phaawuloos keesaa isa ittiin fayyia ibsudha. (lak 15,23)Yohaannisiifi Pheexiroos dubbi walfakkaataa "lammata dhalatu" jedhu fayydamu. (Yoh 3:3; 1Phex 1:3, 23)

▣ **"Abbaa"** jechi Aramoyik kana ijoolleetu mana keessa fayydama ("daadii" ykn "paaphaa") Yesuusiifi ergamtoonni Armaayik dubatu. Amantoonni amma gara qulqullu Waaqayyoo kan dhufan dhiiga kiristoosiini. Karaa afuura keessa isaanii jiru, amantii jabaadhaaniifi maatummaadhaanidha. (Marq 4:36, Gal 4:6) Nama hin ajaa'ibu yoo namoonni cubbuun kufani tuan Waaqayyoon Abaa, jedhanii yaaman, Innis quqlullichi bara baraas kana barbaada! Matadure addaa abbaa 1:7 ilaalaa.

**8:16 "hafuurri Waaqayyoo"** Jechi Giriik afuuraaf ta'u NEUTER dha kanaaf , KJV kana akka "afuura, maaasaa" jedhe hiika, garuuu afuurrinama dha. Hinaaa (Efs 4:30; 1Tas 5:19)kanaafu "isa malaasaa" hiikkaa gaariidha.

▣ **"hafuura keenya wajjiin waliigalee, ijoollee Waaqayyoo ta'uu keenya dhugaa ni ba'a."** Akkuma lak 13ti tuqametti kallattiin amantii tokko jireenya amantootaa jijjiirameefi jijjiiama deemudha (Kakuu Haaraa kitaaa Yoonaas fi 1Yohaannis). Kallattiin Biroo moo soda Waaqayo jijjiree jaalalamaatii gochuusaati. Hiikkaan RSV fi KQSHH fi sirni tuqaalee "yeroo boonyu, Abbaa! Abbaa! Jenne afuura mataa saatu dhugaa hafuura keenyaan gaha akkanufi ijoollee isaa taane (Gal 4:6). Kun kana nu agarsiisu amantoonni yoo Waaqayyoon yaaman, Abbaa, jedhan hafuuraan mirkansi isaa ni dhufu jechudha.

Ragaaan afuuraa keessaa sagaleen odoo hin taanee hojumaataan mul'ata.

1. Yakkamaa cubbuu

2. Fedha kiristoosin fakkaachu
3. Maatii Waaqayyoo wajjin ta'uuf fedha godhachu
4. Sagalee Waaqayyo beelahuu
5. Hojii wangeelaaf miiramuu
6. Aarsaa kiristaanummaa kennu barbaaduu

Isaan kun fedha keessa namoota jijjiiamee ragaaa amantii ta'ee dhiyaatudha.

Waabdii fayyinaa gara dhimma garee amantiitti deeme

1. Xinamantin kaatolikni Roomaa ta'insa jireenya waabdii kanaa nig anti garuuu tokkummaa dhugaa miseensa waldaati ni bu'uureffatti.
2. John kalvin moo (aadaa haaromsuu) Waabdii filannoo (dur murtahuu) godha, garuuuhanga guyyaa firdiin boodatti nam tokko beku hin danda'u jedha.
3. John Weshii (aadaa of eegganno) Waabdii jaalala sirrii (lubuu beekkamu garaggaa jiraachuu) irratti bu'uurawa.
4. Baabtiistonni Waabdii abdii kitaaba Quqlulluu kessa ayyaana tolaa irratti (garuuu akkeekkachiisaafi ifannoo hunda fudhatama dhabsiisuun) hudoofti

Dhiyeessa dubbii Waadii kiristaanummaa Kakuu Haaraa keessattihidhate balaan lama ni jira.

1. Xiyyeeffannoo irra darbaa "kan takkaa fayye, yoo mara fayya"
2. Xiyyeeffanno irra darbaa "fayyina hambisuu hojii namootaa"

Ibroonni 6 "kan takkaa bahe, yoo mara bahe" carraaqqin namootaa (hojii gaariin) amantoota fayyinarra hin tursu. (Gal 3:1-4). Hojii gaariin galma jireenya kiristaanotaatii (Efs 2:10). Isaanis bu'aa Waaqayyon walaargachufi afuuraan ta'uuti. Ragaaa dhugaa nama jijjiirameeti.

Waabdiin yaamicha qulqulummaa Kitaaba Qulqulluu laaffisuu jechu miti. Akka xinamantiiti yoo haasofne, Waabdiin amalaafi gocha sadeen tokkummaa Waaqayyoo irratti hunda'a.

1. Jaalalaafi araaa Abbaa
2. Hojii aarsaa Ilmaan xumuame
3. Afuua gara Kiriistoositti nama afuufuufi amantootaqalbii diddiratan keessatti Kiristoosin himu.

Ragaaan fayyiana kanaa, ilaalcha addunyaa jijjiirame, laphee jijjiirame, biddiqa jireenyaa jijjiirameefi abdii jijjiiramedha! Murtii ? waan darbee irratti murtaa'ee ragaa biddiqa jireenya kan hin qabne irratti hin hundaa'u. (S.S firii, Matta 7:15-23 13:20-22, Yoh 15) Waabdiin, akkuma fayinaa akkuma jireenya kirisaanaa deebii araara Waaqayyoon egaleeti. Hanga bara jirenyaatti deebii kennuun itti fufa. Jireenya amantii jijjiirameefi jijjiiramutti jiruuti.

▣ **"dhugaa nib aha"** kun tishoo syn Birooodha. Afuurri, afuura amantoota wajjiin ragaa deggersa ta'a, Phaawuloos jecha tishoo kana 2:15; 8:16fi 9:1 keessatti fayyadameera.

8:17 "yoo" hima haalimaatu lak 9, 10, 11, 13 (si'a lama), 17 (si'a lama) jira. Hundi (first class conditional sentence) dha isaanis kallattii barreessichaan ykn akeeka barreeffamaaf dhugaa dha. Jedhame tilmaamama. Phaawuloos dubbistoonni ergichaa waldaa Roomaa kiristaanoota afuuraan jiraatan jedheeti tilmaama.

▣ Lakkoofsa kana keessa jechoonni tishoo syn, sadii jiru, jechuunis "waliin hojjechuu" Amantoonni dhaltummaa Kiristoos wajjiin hirmaatu, gidiraa kiristos wajjiin hirmaatu, fi amantoonni ulfina Kiristoos wajjiin hirmaatu. Jechi tishoo syn kana caala lak 22 (si'a lama) 26 fi 28. Efs 2:5-6 jecha tishoo syn sadii qaba; isaanis jireenya amantoonni Kiristoosiin qaban agarsiisa.

▣ **"argatan"** kun gosa dubbi Biroo ittin amantoota ibsamanidha (4:13-14; 9:8; Gal 3:29) mata duree addaa itti aanu ilaalaa.

**MATADUREE ADDAA : DHAALA AMANTOOTAA**

Kitaaba Qulqulluu Waa'ee dhaaltummaa amantootaa waan hedduu jedha. Sabaa isa waan hundaa dhaalu danda'uu Yesuus wajjiin walitti dhufeenya qaan (Ibr 1:2) fi isaan gargaartoota dhaalaa waan ta'aniif (Rom 8:17; Gal 4:7)

1. Mootummaa (Matt 25:34, 1Qor6:9-10, 15:50)
2. Jireenya bara baraa (Matt 19:29)
3. Abdii Waaqayyoo (2br 6:12)
4. Tika Waaqayyo abdiisaaf (1Phex 1:4; 5:10)

▣

**KQSAH, KJHH** **"isa wajjiin erga dhiphannee"**
**KQSHH** **"eegi isa wajjiin rakkannee"**
**TIV** **"yoo rakkina Kiristoosi irate hirmaannee"**
**KQJ** **"dhiphina isaa hirmaachuun"**

Adunyaa kufaatii kana keessati dhiphinni waanuma jirudha. (Matt 5:10-12; Yoh 15:18-21; 16:1-2; 17:14; HoE 14:22; Rom 5:3-4 8:17; 2Qor 4:16-18; Filp 1:29; 1Tas 3:3; 2Xim 3:12 Yon 1:2-4; 1Phex 4:12-19). Yesuus akkinasaa lafa godhee (Ibr 5:8). Gamni hafaa boqonnaa kanaa yaadmua kana ibsa.

▣ **"isa wajjin ulfaachuudhaaf"** Barreeffama Yohaannis keessatti Yesuus waa'ee du'a isaa yoo dubbatu, "ulfaachuu" jedhea. Yesuus kan ulfina argae dhiphachuusaatti. Amantoonni eeba gitaafi shaakala, ta'a jireenya Yesuus (Rom 6) ni hirmaatu.

▣

Mata duree addaa: Mootummaa Waaqayyo mootamuu 5:17-18 ilaalaa.

**8:18-25**

[18]**Dhiphinni keenya si'anaa kun, ulfina isa nuuf mul'ifamuuf jiruu wajjin wal bukkee qabamee, ilaalamuu akka hin dandeenyetti nan lakkaa' a.** [19]**Uumamni hundinuu, mul' achuu ijoollee Waaqayyoo dhimmanii eeggachaa jiru.** [20]**Uumamni wanta gatii hin qabne akka ta'u godhameera; inni ilIee ofii isaatii akkas ta'uu hin barbaanne, garuuu isuma isa uumetu akkas isa godhe; haa ta'u iyyuu malee, akkas ta'uun isaa abdii qaba ture.** [21]**Uumamni, garbummaa isa wanta badu isa godhe jalaa luba ni ba'a; luba ba'uun kun gara birmadummaa ijoollee WaaqayyoCi warra ulfina qabaniitti ni gees sa.** [22]**Uumamni hundinuu hamma ammaatti akka aaduu fi akka ciniinsifatu ni beekna.** [23]**Uumama sana duwwaatu aada miti; nuyi warri hafuura Waaqayyoo akka qabdiitti arganne iyyuu, ilmum maatti guddifamuu, namummaan keenya inni fooniis furamuu, dhimminee yeroo eeggannutti garaa keenyatti ni aadna.** [24]**Nuyi abdiidhaan fayyine; abdiin ijaan argamu immoo abdii miti; namni waan ijaan argu ni abdataa ree?** [25]**Wanta ijaan hin argine yoo abdanne garuuu, obsaan ni eegganna.**

**8:18 "Lakkaa'u"** kun "ida'uu" jechudha. Phaawuloos iti fufee dhiphina kiristaanaa lakkaa'utti jira. Jecha hereegaa xumura qoatamaa irra gahamedha. Yaada yeroo dhihooti Roomaa keessatti (Yaadannoo 2:3 ilaali) Amantoonni dhugaa afuuraa hubatanitti jiraachuu qaba.

▣ **"dhipina"** Kiristoos tajaajilu keenyatti yaada dhiphachu argina. 1Qor 4:9-12, 2Qor 4:7; 6:4-10, 11:24-27; Ibr 11:35-38

▣ **"si'anaa"** Yihudoonni seenaan biyya lafaa iddoo lamatti hiramuu ni beekan, bara amajaafii ammaafi bara qajeelummaa dhufuuf jiruuti (Mat 12:32; Mrq 10:30). Kakuu Moofaa Masichichi dhufuu jiru bara qajeelummaa ni hundeessa jette eegdi. Haata'uuti dhufaatii Kiristoos lameen, tokka akka fayyisaatti (du'a ka'uu) fi lammata akka Gooftaatti (dhufaati lammata) baroonni kun lameen akka walirra bu'a godhe. Amantoonni muddama kana lameen giddu jiru, isa "ta'ee darbee" fi isa "ta'uuf jiru" mootummaa Waaqayyoo.

Matduree adaa "Bara kanaafi bara dhufu 12:2

▣ **"Gatii … Ulfina"** Jechoonni kun lameen yaada Kakuu Moofaa waa'ee ulfina ba'aa agarsiisuu waan gatii qabeessaati "galii" inni jedhu jecha daldalaa ta'eef "hanga danda'ame kan ulfaatu" jechudha. Jechi Ibroota "ulfina" jedhu hidda jecha "ulfina ba'aa" qabu agarsiisa, miira gatii qabeessummaa, akka warqee yaadannoo 3:23 guutuu ilaalaa.

Jechi "ulfina" barreeffama Phaawuloos keessatti tutuqa iskaatologii qaba. Waa'ee dinqiifi humnaan deebi'uu, ulfinaafi ol ka'umsaan dhufaati Kiristoos agarsiisa (col 3:4) mataduree addaa ulfina 3:23 jiru dubbisaa

▣ **"isa nuuf mul'atuu jiru"** Waaqayyo ykn Hafuuraa agariisa (lak 20). Amantoonni jireenya kanatti kan jiraatan amantiinmale mul'uu miti. (lak 24 fi 1Qor 2:9, 13:12; 2Qor 5:7 fi Ibr 11:1)

**8:19 "dhimmanii eeggachaa jiru"** Uumamni dhaqnaa akka namaatti namoomee yoohogoriisa ilaalu argina. Ayita Adaamiifi Hewaan ganan sana uumamni akka malee miidhame. (Uma 3:17-19) Uumamni hundi battaluma lubbuu bitame (ergamtoo ganan, hamoota hi amaniin, fi iddootti kophaa bahuma isaanii qophaa'e malee. Boruus koref fi kurtii Hohugan, Romans, ful 95, mijaa'e 46)

**MATADUREE ADDAA : QABEENYA UUMAA**

I. SEENSA
   A. Uumani cufti girdoo ykn waltajjii jaalala Waaqayyofi sanyii namaaf
   B. Kufaatiitti hirmaate (Uma 3:17; 6:1; Rom 8:18-20). Akkasumas lubu bittaa iskaatoloojichalaarrati ni hirmaata (Isa 11:6-9, Rom 8:20-22, Mul 21-22)
   C. Cubbamoonni, fi kuftuun sanyii namaa uumama naannoo fedhu ofittomaan dirqisiisanii balleessan. Kan itti fufee jiru, The canon of West Minster, Edward Karpenter iraa kan waraabbamedha.

"… miidhaan namaa dhuma hinqabne. Akka yaada addunyaati, duuniyaa naannoo isaarati ta'e. Uumama Waaqayyoo irratti balaa qilleensa irratti faaluun agaamame, yaa'a bishaanii hunkuree, biyyee sammeessee, bosona barbadesse, yeroo dheraaf waan cufa mawaase. Midhaan kun hundi suuta suutaafi qindoomin hin qabneen ture. Kunile akka madaalawa ta'uuf tattaaffiin godhame itigaafatamni fudhatame xiqqadha.

   D. Nuyi bu'aa faalamaafi mincirsaa pilaaneeta keenyaa eegaa jirra miti, sabni keenya gidiraafi rakkina hin mallee dhiifneefi darbuu jirra.

II. Waan Kitaaba Qulqulluu
   A. Kakuu Moofaa
      1. Umama 1-3
         a. Uumani iddoo Waaqayyo walooma sanyi namaaf jedhe toche iddoo adaati. (Uma 1:1-25)
         b. Uumamni gaariidha. (Uma 1:4, 10, 12, 18, 21, 25), baayye gaariidha. (Uma 1:31) Ragaaa Waaqayyooti (Far 19:1-16)
         c. Namoonni akeeka ulfina uumamaati. (Uma 1:26-27)
         d. Namooma jechuun abboomuudha. (Ibrootan "miillaan gad dhiituu jechudha) akka meeshaa Waaqayyo (Uma 1:28-30; Far 8:3-8; Ibr 2:6-8 Waaqayyo uumaadha) Waaraadha/ cubbuu dhiisaadha/ gooftaa uumaataati. (Ba'u 19:5, Yob 37-41; Far 24:1-2; 95:3-5, 1-2:25; 115:15; 121:2; 124:8; 134:3; 146:6; Isa 37:16)
         e. Namoonni kessummeessummaan uumamaaf qaban Uma 2:15 keessati mul'atera" misoomsuu, qananiisuufi tiksuu Lew 25:23; 1Qor 29:4)
      2. Waaqayyo uumama ni jaalata, kessatti binelda.
         a. Seera Musee kunuusa bineeldaa
         b. YHWH bineelda galaanaa gudaan taphate (Far 104:26)
         c. Waaqayyo bineeldaa ni eeggata (Yonas 4:11)
         d. Jireenya (skaatolojii uuamaa (Isa 11:6-9; Mul 21-22)
      3. Uumama, hanga ta'e, Waaqayyoof ulfeessa
         a. Faarfannaa 19:1-6
         b. Faarfannaa 29:1:9
         c. Iyyoob 37-41
      4. Karaan jaalalliifi garramummaan kakuu Waaqayyo ittiin mul'atu keessaa uumamni tokko
         a. Deb 27-28; 1Mot17
         b. Raajoota hundaa keessatti
   B. Kakuu Haarawaa
      1. Waaqayyo akka uumaati ilaalama. Uuma tokko qofaatu jira, sadeen tokkummaa (eloohim, Uma 1:1, Hafuura, Uma 1:2 fi Yesuus Kakuu Haaraa) hundi hafe uumame.
         a. HoE 17:24
         b. Ibr 11:3
         c. Mul 4:11
      2. Yesuus bakka bu'aa uumama Waaqayyooti
         a. Yoh 1:3, 10
         b. 1Qor 8:6
         c. Qol 1:16
         d. Ibr 1:2

3. Yesuus lallabaa isaa keessatti akka Waaqayyo uumama dhihatu dalga qabee lallabera
    a. Matt 6:26, 28-30, simbirrootii balalii'aniifi daraaa
    b. Matt 10:29 dimbiccoo
4. Phaawuloos namoonni beekkomsa waa'ee uumaa Waaqayyoo qabanii itti gaafatamoo godha (S.S mul'ata uumamaa (Rom 1:19, Mul 21-22)

III. Xumura
  A. Nuyi aboomi kanatti idhamneerra!
  B. Sanyiin namaa cubbamoo ta'an kenna Waaqayyoo uumamaa akka malee godhaniiru. Akka kenna gaarii Waaqayyoo godhan san.
  C. Tareen uumama kun yeroofidha. Darbuutti jira (2Phex 3:7) Waaqayyo addunyaa Kenya gara walxaxaa seenaatti dabarse. Cubbuun hojii isaa itti fufera, garuuu Waaqayyoo daandaa itti godheera. Uumamni cubbuun dhiifamefira (lubbu bitameera) (Rom 8:18-25)

▣ **"Mullachuu"** Jechi kun "girdoo irraa kaasuu" jechudha. Akka ergaa dabarsutti. Makaa kitaaba Kakuu Haaraa isa xumuraati. Dhugaatin lammataa akka mul'ataatti ykn dhufaatiitti beekna (1Qor 1:7-8) 1Phex 17,13)

▣ **"ijoollee Waaqayyoo"** kun dubi barame ittiin kiristana hunda maalummaan yaamanidha. (8:14, 16) Waaqayyo akka abbaati, Yesuusiin akka ilma addaatti dubbata (Yoh 1:18; 3:16, 18 Ibr 1:2; 3:6; 5:8; 7:28; 1Yoh 4:9)

Bara Kakuu Moofaa Israa'el ijoollee Waaqayyo turan (HoS 11:1), akkasumas mootichis ilma Waaqayyo ture. (2Sam 7) yaadni kun dursa Kakuu Haaraa keessati Matt 5:9 irratti ture (Akkasumas Yoh 1:12, 2Qor 6:18; Gal 3:26; 1Yoh 3:1, 10; Mul 21:7)

**8:20**
**KQSAH, KJHH**
**KQSHH "uumamni gatii dhabeessa akka ta'u"**
**TIV "uumamni akka gatii dhabuu abaaame"**
**KQJ "gama uumamaan dogoggorri dhalateeti miti kan akeeka guuttachuun dadhabame**

Kunis "agtii dhabummaa" ti hiikkame. Septuagint keessatti miira hedduun tajaajila: hikko dhabeessa, gatii dhabeessa, faayidaa malessa, Waaqoli tolfamo, fi duwwooma. Uumamni hundi akeeka Waaqayyoof faayidaa maleessa ta'an (Uma 3:17-19) garuuu gaaf tokko Waaqayyo abaarsa kufaatii ni kaasa (Mul 22:3) kun addunyaa Waaqayyo akeekee ture miti.

▣ **"akkas ta'uusaa abdii qaba ture"** gochimichi kun Waaqayyoon agarsiisa (KQSAH, KJHH, TIV) uumama dhaqna gara gatii dhabeessatti geesse.
1. Sabaa gantummaa sanyii namaa
2. Agaammii sanyi namaa ofitti deebisuu (Deb 27-29)

Gatii dhabinsi beekaa gahame kun yeroo murtaa'efi. Namummaan cubbuun dhiifameef abdii qabatamaa egree qaba (dhaqnaafi addunyaa hayyame achis nama isa kufe wajjiin hojjechuu barbaade. Addunyaa kufaatii keessati. Addunyaan Waaqayyo akeeke kanaa miti. Kun addunyaa gaaf tokko ta'uuf jiru miti (2Phex 3:10; Mul 21:1-3) yaadannoo "Abdii" 5:2 jedhu ilaalaa.

**8:21 "uumamni, gabrummaa isa wanta badu isa godhe jalaa luba ni baha;"** uumamni galma bara baraa ni ta'a (Isa11:6-10) Samiin (jannatin) gara lafa lamuu uumamtetti ni deebi'a (Matt 5:18; 24:35; 2Phex 3:10; Mul 21:1) Egreen gara ebba Edenitti deebi'u ta'a, walooma Waaqayyoofi sanyii nama dhuunfaafi dhuunfaa, sanyi namaafi bineeldota, sanyii namaafi dachee Kitaaba Qulqulluu Waaqayyo, sanyi namaafi bineeldota waloomaafi waldhuga iddo biqiltu keessati eegala. (Uma 1-2 akkasuma Kitaaba Qulqulluu mulaa walfakkaatuun xumura (Mul 21-22)

▣ **"Waan badu"** mataduree addaa 1:23 ilaalaa

▣ **"Gara birmadummaa ijoollee Waaqayyoti"** lak 14 keessatti amantoonni "ilmaan Waaqayyo" jedhamanii yaamamaniiru. Lak 16 keessatti "ijoollee Waaqayyoo" fi lak 17 keessatti "dhaaltoota Waaqayyoo" jedhamaniiru. Lak 18 keessatti ulfinni Waaqayyoo iskaatolojikaalaa amantootati mul'ate. Amma lak 19 keessatti uumamni

mul'achuu ilmaan Waaqayyoo eegaa jiru, sabaa ulfina iskaatolojicha waliin qoodataniif. (lak 21) Debi'ee ijaaramuun uumamaa, keessatuu namootaa, akekni uumamaa inni jalqaaa akka fixaan bahu gargaaa- Waaqayyoofi namoonni bifa isaan uumaman walooma aanteen jiraatu.

**8:22 "uumamni hundinuu hanga ni aadu"** kun jecha tishoosyn Phaawuloos itti fayyadamu biroodha. Wajjiin aaduu" Baayyee tisheesse jira. Erm 12:4, 11 (Deb 27-29) eera, iddotti lafti Israa'el gufutu sababa cubbuu namaa.

▣ "akka ciniinsifatu" yaadni kun yihudoota biratti "ciniinsuu bara haarawaa" jedhama. (Marq 13:8) Bariihuun guyyaan qajeelummaa haarawaa rakka maleessa miti. Haamilee fi afuurri addunyaa kufaatii kanaa caalaa irratti caalaa hammaachaa deema (2Tas 2:1-12 fi mallattoo turban, tultullaa fi golboo Mal' 5-18)

**8:23 "nuyi… nuyi…nuyi"** xiyyeeffannoof ira deeddeebi'ame

▣ **"akka qabdiitti arganneyyu"** Jechi kun afaan Giriik hammayya keessatti "amartii qubeelaa"f fayyda. Kun dubii fakkeenyaa "Chaappaa Afuuraa" isa 2Qor 1:22 fi kakuu afuuraa" isa 2Qor 5:5 fi Efs 1:14 kessaati.

Firiin jalqabaa Km keessaa abdii haamaa dhufaa jiruti. Waaqayyo abaa ooyiruu (maasii) ta'uu agarsiisa. Hafuurri firii bara harawaati akkuma Yesuus firii du'a ka'insa jalqabaa ta'ee (1Qor 15:20) amantoonni, akka ijoollee Waaqayyootti, gammachu jannaa keessaa amma shaakalaa jiru karaa afuura quqlulluu isaankeessa jiruufi isaan wajjiin jiruu. Kun muddama bara yihudootaa lameen. "Ta'e darbee" fi "ta'uuf jiru" walirra dhufeeti. Amantoonni lammiilee jannataafi biyya lafaa jiranidha.

▣ **"nuyiyyuu garaa keenyatti ni aadna"** kun mudama dhugaa bira gahuuf "isa ta'ee darbee" fi "ta'uuf jiru" bara yihudoota walirra dhufee agarsiisa. Mootummaan Waaqayyo jira garuuu hin golabamne. Amantoonni jireenya du'aa ka'uu qabu ammallee dhaqnaan du'utti jiru (2Qor 5:2-4) nuyi fayyinee jirra garuuu ammallee cubbuu ni goona (Rom 7)

▣ **"ilmuma maatii gudiffamuu"** Gudinannii jecha Phaawuloos keessaa isa fayyina ittin ibsudha. (lak 15) fayyinni amantooaa isa murtoo qalbi didirannaafi amantiin eegalee gara Kiristoosin fakkaachuutti gudatudha. Amantoonni hanga guyyaa du'aa ka'uutti fayyina guutuu hin qaban (lak 30 fi Yoh 3:2)

Jechi "duddifta" barruu Giriikootaa muraasa keessatti hambifameera. (MSS $P^{46}$ D, F, F, fi hiikka Moofaa ilaalini keessati) Haa ta'uuti, A, B, C Moofaa laatini muaasa keessa, yulgate, syriac, Coptic, fi Armeniya keessa ni jira. YBS dabalamu isaa "A" jala galcha.

▣ **"Namummaa keenya inni fooniis furamu"** Jechuun "bitamanii fuamu"dha. Yaadni kun Kakuu Moofaa keessati nama gabrummaa jalaa namaan luba bahe (go'el) agarsiisudha. Dubbiin kun fayyina Waaqayyo ilmaan namootaa cubbuu jalati kufanii turaniif tajaajilu jalqabe. Gatiin bahes jieenya cubbu malessa kan ta'e lubbu Imaafi mataduree Addaa 3:24 ilaalaa.

Kiristaanummaan, akkuma yihudummaa (Iob 14:14-15, 19L25-26 Dan 12:2) amantoonni jireenya bara baraa keessati dhaqna akka qaban/ akka hannamaa ta'uu dhiisu danda'a, 1Qor 15:35:49) ni mirkansa. Namni hafuuraa amantooas jireenya bara haarawaaf jireenya walooma Waaqayyoo wajjiniif kan qophaa'eedha.

**8:24 "nuyi adiin fayyine**" Akkuma lak 23 fayyina keenya egeree agarsiisu lak 24 moo fayyina keenya darbe karaa afuura keessaan agarsiisa. Kakuu Haaraa henna gochimaa hedduun fayyina agarsiisa.

1. Aorist (yeroo) HoE 15:11 (Rom 8:24; 2Xim 1:9; Tit 3:5, fi Rom 13:11
2. Kan ta'e (perfect) Efs 2:5,8
3. Amma (present) 1Qor, 1:18; 15:2, 2Qor 2:15, 1Phex 3:21; 4:18
4. Fuldura (Future) Rom 5:9,10; 10:9, 1Qor 3:15, Filp 1:28, 1Tas 5:8-9, Ibr 1:14, 9:28

Kanaafuu, fayyinni murtii amantiiti eegala, gaaf tokko milluu raawwatuf bidiqa jireenyaan yaa'a. (1Yoh 3:2)

**8:25 "Abdii"** mataduree addaa itti aanu ilaalaa

**MATADUREE ADDAA : ABDII**
Phaawuloos jecha kan miira garagaaraa moo firoomutti fayyadameera. Amantii amantootaan walihidhateeti. (Fkn 1 Xim 1:1) kunis akka ulfinaatti, jireenya bara baraatti, fayyinadhma hin qabna, dhufaatii lammataa kkf? Dhumuunsaa mirkana garuuu gara fulduraati, yeroo hin beekkamnteetti "Amantii" fi "jaalalatti" hidhata (1Qor 13:13, 1Tas 1:3; 2Tas 2:16) itti fayyadama Phaawuloos muraasni.

1. Dhufaatii lammaa, Gal 5:5; Efs 1:18; 4:4; Tit 2:13
2. Yesuus Abdii keenya, 1Xim 1:1
3. Amantoota Waaqayyoof dhiyeessuu, Qol 1:22-23, 1Tas 2:19
4. Jannatati abdii tolfamte Qol 1:5
5. Wangeelati amanuu Qol 1:23, 1Tas 2:19
6. Fayyina dhuma hin qabne. Qol 1:5; 1Tas 4:13; 5:8
7. Ulfina Waaqayyo, Rom 5:2, 2Qor 3:12; Qol 1:27
8. Fayyina Ormootaa Kiristoosin, Qol 1:27
9. Waadii fayyinaa 1 Tas 5:i
10. Jireenya bara baraa Tit 1:2; 3:7
11. Bu'aa bilchina kiristaanummaa Rom 5:2-5
12. Dhifamu cubbuu uumama hundaa Rom 8:20-22
13. Dhumata guddifataa Rom 8:3-25
14. Maqaa Waaqayyoo Rom 15:13
15. Fedha Phaawuloos amantootaaf qabu 2Qor 1:7
16. Kakuu Moofaa akka qajeelcha amantoota Kakuu Haaraati Rom 15:4

▣ **"dhamaasuu wajjiin"** Jechi humone lak 15:3 fi 15:4-5 keessatti tajaajileera. Fayyinni amantootaa deemsa bilchina keessa jira gaaf tokko ni xumurata. Dhamaasuun (Mul 2:8, 11, 17, 26; 3:5, 12, 21; 21;7) jecha maalalchisaa Kitaaba Qulqulluu keessatti waa'ee cuuphaa xiyyeeffanno ira caalaa argate "takka fayyuun yoo maa fayyuu" jedhuf barbaadamaadha. Dhugaan Kitaaba Qulqulluu heduun kan ibsamandhugaa barbaada keessaafi dacha muddamaan guutameeni.

**MATADUREE ADDAA : DHAMAASU BARBAADAMOO**
Doktiriinni Kitaaba Qulqulluu jireenya kiristaanaati hidhatanii jian ibsuu irrati ni rakkisu saaba loqoda waa bahaan waan dhiyaataniif. Cimdiin kun walfaalleessaa fakkaatulee garuuu kanuma Kitaaba Qulqulluuti. Kiristaanonni dhugaa tokko filachuun dhugaa gama kaanii ni anuu ykn gatii dhabsiisuu. Mee nin agarsiisa.

1. Fayyinni murtoo jalqabaa kiristoosiin amanuu ykn duuka bu'uummaaf waregama yeroo jireenyaati?
2. Fayyini birmaduu Waaqayyoo irraa ulfinaan filatamuu ykn afeeraa humnaati debii qalbii diddirranaafi amantaa sanyii namaati.
3. Fayyinni, kan takkuma argamu, deebi'ee hin dhabamne, ykn itti fufinsaan ifaajii argamuu?

Dhimmi dhaamaatii seenaa waldaalee keesatti morkii ta'ee jira. Rakkinni kan eegale dubisa Kakuu Haaraa mormisiisaa ta'an irratidha.

1. Barruu waabdiiin
   a. Dubbii Yesuus (Yoh 6:37, 10:28-29
   b. Dubbii Phaawuloos (Rom 8:35-39; Efs 1:13, 2:5, 8-9; Filp 1:6; 2:13; 2Tas 3:3; 2Xim 1:12; 4:18)
   c. Dubbii of Pheexros (1Phex 1:4-5)
2. Barbaachisa dhamaasuu irratti
   a. Dubbi Yesuus (Matt 10:22; 13:1-9, 24-30; 24:13; Marq 13:13; Yoh 8:31; 15:4-10, Mul 2:7, 17, 20; 3:5, 12, 21)
   b. Dubbii Phaawuloos (Rom 11:22; 1Qor 15:2; 2Qor 13:5; Gal 1:6; 3:4; 5:4; 6:9, Filp 2:12; 3:18-20; Qol 1:23)
   c. Dubbii bareessa Ibrootaa (2:1; 3:6, 14; 4:14; 6:11)
   d. Dubbii yohaannis (1Yoh 2:6; 2Yoh 9)
   e. Dubbii Abbaadha (Mul 21:7)

Fayyinni Kitaaba Qulqulluu birmaaduu, araaa, ulfinaafi jaalala sadacha Waaqayyo irraa madda. Kaka'umsa hafuuraa malee eenyullee fayyuu hin danda'u (Yoh 6:44, 65). Ayyaanni durse dhufeti ajandaa lfa ka'a, achii debiin namootaa karaa qalbii diddiirrannaafi amantii dhufa, ittis fufa. Waaqayyoo sanyiinamaa wajjiin

bifa kakuutiin ni hojjeta. Lameen itigaafaamummaa loohiin ni jiran.

Fayyinni namoota hundaaf ta'e. Duuti Yesuus rakkina cubu namooa wajjiin hojjeta. Waaqayyo ofiisaa karaa bane, namoonni inni bifa ofiin uumes jaalala isaa deebii akka kennan Yesuusiin ergeef.

Yoo dhimma kana irratti baayyee dubbisuu feete, kallatti farra kalviniin, warra kanaa gadii ilaalaa

1. Dablee Moody, The word of truth, eerdmans, 1981 (ful 348-365
2. Howad Marshal, Kept by the power of God Bethany fellow Ship, 1969
3. Robert Shank, Life in the son, Westcott, 1961

Kitaaba Qulqulluu naannoo kana irrati rakkoolee lama lafa kaa'a (1) waabdi akka hayyama jireenya firii dhabaa, ofittummaa fudhachufi (2) warra cubbu dhuunfaa fi hojii wangeelaa wajjiin qabsa'an jajjabeessuu, Rakkinichi gartuun dogoggoraa ergaa dogoggooraa marii'atu, ergaa Kitaaba Qulqulluu xiqqoo irratti xinamantii ijaaruu. Kiristaanonni muraasni ergaa Waabdii baayyisanii barbaadu, ayita wari kaan akeekkachis fuula hammeenyaa barbaadan ati gartuu kamii?

**8:26-27**

**[26]Hafuurichis immoo akkuma kanatti dadhabbii keenyatti nu gargaara; nuyi maal kadhachuun akka nuuf barbaachisu akka ta 'utti hin beeknu; hafuurichi garuuu aaduu isaatiin karaa namni dubbiidhaan mul'isuu hin dandeenyeen nuuf ni kadhata. [27]Hafuurichi akka jaalala Waaqayyootti warra isaaf qulquIlaa'aniif ni kadhata; Waaqayyo inni garaa namaa fonqolchu immoo, yaada hafuurichaa ni beeka.**

**8:26 "akkuma kanatti"** kun hojii hafuuraa araarummaa "aaduufi abdachuutti" lak 23-25, dubbatametti gudunfa

▣ **"Hafurichis nu gargaara"** Hiikkaan gaarii "walgargaarsa" yoo ta'u jechichis asittiifi Luqaas 10:40 keessatti argama. Sadachi Waaqayyo amantoota hundaafidha. Abbaan ilmi isaa bakka namoota akka du'uuf erge, ini amma araarsa keenyaa dhaabbate jira (lak 34, 1Yoh 2:1). Hafuurri sanyi namaa cubbamtoota gara Kiristoos fiduun Kiristoos isaan keessa akka jiraatu godha (Yoh 16:8-15) haata'uuti jechi "gargaarsa" jedhu "abbaa ta'e wajjiin walgargaaru" jedhuu kun amantoonni qooda gargaarsa afuuraa (araarsaa) akka qaban dabalee agarsiisa.

▣ **"Hafuurichi garuuu aaduu isaatiin karaa namni dubiidhaan muli'suu hin dandeenye"** amantoonni kufaatii isaaniitti ni aadu hafuurris araara isaaniif ni aada. Hafuurri warra dhiifama argatanii isaaniif kadhata Yesuus mirga Waaqayyoo jirus isaaniif kadhata. (lak 27, 34; Ibr 9:24 1Yoh 2:1). Araarsi kun amantoonni akka kadhatan isaan humneessa (lak 15; Gal 4:6) dubisni kun kenna afuuraa afaaniin dubachuu, in ilaallatu, isa araaraaf amantoota bakka bu'e Waaqayyo dura dhaabbatu malee.

▣ **"araarsa"** maaduree addaa, ittifayydama Huper Phaawuloos tisheesse fudhate 1:30 jiru ilaalaa

**8:27 "Waaqayyoo inni garaa namaa fonqolchu"** kun yaada Kakuu Moofaa haaromedha. (1Sam 2:7, 16:7 1Mot 8:39; 1Sen 28:9; 2Sen 6:30 Far 7:9; 44:21; Fak 15:11; 20:27; 21:2, Erm 11:20; 17:9-10; 20:12 Luq 16:15; HoE 1:24; 15:8). Waaqayyo dhugumaan nu beeka hanga ammaas nu jaallata (Far 139)

▣ **"Wara qulqullaniif ni kadhata"** Ergamni hafuuraa sirritti Yoh 16:2-15 keessatti ibsameera. Isaan keessaa tokko araarsa.

Jechi "Qulqulloota" jedhu yoo maa dachaadha. Fila 4:21 keessatti iddootti amantoota hundaan ilaallatu male. Kiristaanonni miseensa maatii Waaqayyoo, qaama kiristoos iddoo sagada amma ijaarame (siidaa) amantoota hundaaniiti. Kun madaalli xinamantii wara dhihaa (Ameerikaa) warra dhuunfaa leellisaniiti. Matadure addaa qulqulloota 1:7 ilaalaa.

**MATADUREE ADDAA : NAMOOMAA AFUURAA**

Kun himamuu namoomaa "Afuura Quqlulluu" yeroo jalqabaaf Roomaa keessattiti. (Maqichati fayydamuun yeroo jalqabaaf miti, 5:5; 9:1; 14:17; 15:13, 16) Kakuu Moofaa "Afuurri Waaqayyo" (S.S ruach) human akeeka YHWH guutudha. Garuuu namoomuu isaaf fiixeen hin jiru (S.S Kakuu Moofaa Tokkicha) haata'uti, Kakuu Haaraa keessatti guutummaan nameenyaafi namooma hafuuraa galmaa'ee argama.

1. Maqaa xureessuu (Matt 12:31; Marq 3:29)
2. Barsiisuu isaa (Luqa 12:12, Yoh 14:26)
3. Ragaaa qabaachuu (Yoh 15:26)
4. Yakkuu, qajeelchuu (Yoh 16:7-15)
5. "Inni jedhame yaamame (S.S hos) (Efs 1:14)
6. Ni aara (Efs 4:30)
7. ni dheebota (1 Tas 5:19)

Barruun sadachaa waa'ee nama sadii haasa'u

1. Mat 28:19
2. 2Qor 13:14
3. 1Phex 1:21

Hafuurri sochii namootaatti lixee jira

1. HoE 15:28
2. Rom 8:26
3. 1Qor 12:11
4. Efs 4:30
5. 1Tas 5:15

Jalqaba Hojii ergamootaa keessatti shoorri afuuraa xiyyeeffanno argateera. Phenxe qosxeen jalqaba hojii afuuraa miti, boqonnaa haarawaa malee. yesuus yeroo hunda afuura ni qaba. Cuuphaan isaa jalqaba hojii afuurraa miti, garuuu boqonna haarawaa malee. Luqaas waldoolee hojii wangeelaa boqonnaa haarawaaf qopheesse. Yesuus ammalle xiyyeen isaa haffuurri hojumaata, jaalalli, dhiifamniifi deebisan jaaruun ilmaan namootaa karaa Waaqayyoo galmadha.

**8:28-30**

**[28] Waaqayyo warra isa jaaIlatan karaa hundumaa gargaa ree gara gaariitti isaan ni geessa; isaanoo warra akka akeeka isaatiitti waamamanii dha. [29]Warra duraan dursee beekumsa isaatiin fo'ate, fakkaattii ilma isaa isa obboloota baay'eedhaaf angafa ta'uufjiru, akka ta'aniifyaadaan isaan qabe. [30]Warra yaadaan isaan qabe immoo waameera; warra waame immoo qajeelota isaan godheera; warra qajeelota godhe immoo ulfinaan isaan ga'eera.**

**8:28 "wanta hundinu"** Barruun Giriikotaa durii A fi B "Waaqayyo hundaa godhe" kan jedhu qaba. Barruun Paapiiri p46 "Waaqayyo" akka dhimma "waliin hojjechuu" fi agarsiisa. Dhimmi lak 28 ti "afurri (lak 27 fi NIB 7 RIB) dha. Lakkoofsi kun "dhphachuu" lak 17-18 fi "aaduu" lak 23 ti firooma. Wanti akka carraa, faro ykn hiree amantootaan wal hidhate hin jiru.

▣ **"gara gaariitti"** kunis jecha tushoo "*syn*" ti (lak 26) kanaafis, hiikkaansaa "wanti hundi gaarummaaf jecha walfaana hojjechuu itti fufu" kun addunyaa amajaajiifi gidiraa keessatti yaada rakkisaadha. (kitaabonni deggersa lameen dhimma kanaa The Goodness of God by Wenham fi Hannah Whithall Smith, The Christian's Secret of Happy life). Jechi "gaarii" jedhu lak 29 keessatti ibsame akka "fakkeenya ilmasaatti kan mirkanaah"ti dha. Kiristoosiin fakkaachuun, badhaadhina miti, gurra ykn fayyina karoora Waaqayyo hin jijjiiramne amantoota qabudha.

▣ **"Waaqayyo warra isa jaalatu, warra akka akkeeka isaatti yaamaman"** Isaan kun haala lama, amantoonni jireenya akka ilaalan, haalatti hirkatanii, ifaa gaariin (lak 15) kan gargaaranidha. Ammas kallatti lameen kakkuu mirga namootaa ("jaalalaa") fi birmadu Waaqayyoo ("Yaamamuu") hubadhaa.

**8:29-30** Gochimni lakkoofsa kana keessaa (aorist active indicative) dha yeroo dura irraa qabee hanga yeroon dhabamutti cancala hidhani turan. Waaqayyo nu beeka, nuyiifi akkaisa wajjin taanu ni barbaada. Kun Walgargaarsa, ka'ooma miti. Ulfinni xumuraa ammallee fuldurattidha. Yaada kana keessatti akka gocha xumurametti dhiyaate.

**8:29 "Beekomsa"** Phaawuloos jecha kana asitti si'a lama fi 11:2 keessatti fayyadameera. 11:2 keessatti jaalala kakuu Waaqayyo Israa'eloota yeroo duraa agarsiisa. Jechi "beekuu" jedhu afaan Ibrootaa keessatti, walitti

dhiyeenya, walitti dhufeenya dhunfaa malee dhugaa waan tokko akka hin taane yaadadha. (Uma 4:1, Erm 1:5) Asitti cancala ta'oota keessa galuusaati (lak 29-30) Jechi kun durmurtaa'oo wajjiin waldhuga. Haa ta'uuti filannoof dursee beekuun Waaqayyoo bu'uura akka hin taane hubachuun gaariidha. Saabni, odoo sana ta'ee filannoon deebii namoota gara fuula duraa irratti hirkata ture; hojii namootaa. Jechichi HoE 26:5, 1Phex 1:2, 20 fi Phex 3:17 keessattis ni argama.

▣ **"Waaqayyo warra isa jaalatan, warra akka akeeka isaatti yaamaman."** Isaan kun haala lama, amantoonni jireenya akka ilaalan, haalatti hirkatanii, ifaa gaariin (lak 15) kan gargaaranidha. Ammas kallatti lameen kakuu mirga namootaa ("jaalalaa") fi birmadu Waaqayyoo ("yaamamuu") hubadhaa.

**8:29-30** Gochimni lakkoofsa kana keessaa (aorist active indicative) dha. Yeroo dura irraa qabee hanga yeroon dhabamutti cancala hidhani turan. Waaqayyo nu beeka, nuyiifi akka isa wajjin taanu ni barbaada. Kun walgargaarsa, ko'ooma miti. Ulfinni xumuraa ammallee fuldurattidha. Yaada kana keessatti akka gocha xumurametti dhiyaate.

**8:29 "Beekomsa"** Phaawuloos jecha kana asitti si'a lama fi 11:2 keessatti fayydameera. 11:2 keessatti jaalala kakuu Waaqayyo Israa'eloota yeroo duraa agarsiisa. Jechi "beekuu" jedhu afaan Ibrootaa keessatti, walitti dhiyeenya, walitti dhufeenya dhunfaa malee dhugaa waan tokko akka hin taane yaadadha. (Uma 4:1, Erm 1:5) Asitti cancala ta'oota keessa galuusaati (lak 29-30) Jech kun durmurtaa'oo wajjiin waldhuga. Haa ta'uuti, filannoof dursee beekuun Waaqayyoo bu'uura akka hin taane hubachuun gaariidha. Sababni, odoo sana ta'ee filannoon deebii namoota gara fuula duraa irratti hirkata ture, hojii namootaa. Jechichi HoE 26:5, 1Phex 1:2, 20 fi 2Phex 3:17 keessattis ni argama.

▣ **"yaadaan isan qabe"** Jechi "beekuu" (Proginosko) ykn "yaadan qabu" (proorizo) lamenu jechoota tishoo jecha "dura" (pro) jedhurra dhufan, kanaafis hiikkaansaanii "dursanii beekuu" "dursan daangessu" ykn "dursan mallatto godhu" ta'a jechudha.

Dubbisni Kakuu Haaraa yaadaan qabuu kana ibsu Rom 8:28-30 Efs 1:3-14 fi Rom 9, Barruu kun cufti Waaqayyoo birmaduu ta'uu agarsiisu. Inni to'ataa waan hundaa, seenaa namaa dabalee ta'uu agarsiisa. Yeroo isa eeggatee kan ta'uuf jiruutu hojii dhiifamu cubbuutu jira. Haa ta'uuti hojiin kun kaoora tasuma yaadame ykn filatame miti. Kan bu'urayes birmadummaafi dursee beekuu Waaqayyo irratti odoo hin taanee amalasaa, jaalalasaa, araarasaafi ayyaana isaa hin jijjiiramne irrattidha.

Matayyummaa warra dhihaa irraa (Ameerikaa) ykn barsiisa keenya culuIuqaa dhugaa kana dhoksu irra of eegu qabna. Akkasumas waan seenaafi xinamantii garaagaruummaa Awugisxoosiifi Pelegiyos ykn kalvinizimiifi Armaniiyaanizm giddu jira ofirra eegudha.

Yaadaan qabuun (durmurtaa'oon) jecha doktiriinaa jaalala, araaraafi ayyaana Waaqayyoo daangeessuuf ykn wangeela keessa to'atuuf miti. Ilaalcha addunyaaf amantoonni qaban garuuun jabeessuufidha. Waaqayyo sanyi namaa hundaafi. (Yom 3:16; 1Xim 2:4; 2Phex 3:9) Waaqayyo to'ataa waan hundaati. Eenyu moo maaltu addaan nu baasaa (Rom 8:31-39)? Durmurtaa'oon jireenya agarsiisuuf karaa lama keessa tokko filata. Waaqayyo seenaa darbes akka ammaa ni godha. Namoonni yeroon daangeeffamanii jiru. Kallattiin keenyaafi dandeettiin keenyaa murtaa'eera. Wadiddaan homtu birmadummaa Waaqayyoofi fedha sanyii namoota gidduu hin jiru. Caasaa kakuuti. Kunis dhugaa Kitaaba Qulqulluu muddama dhugaa barbaada keessatti qabame jirudha. Dokitriinni Kitaaba Qulqulluu kallatti gara garaan dhiyaataa jiru. Walfaallessu. dhugichi madaalli mormii dacha san keessa isa jirudha. Tokkoo isaa fulachuun muddama hambisuun hin danda'amu. Dhugaa Kitaaba Qulqulluu kamuu kophaatti baasuuf yaalu hin qabnu.

Galmii filannoodha yoo duunu jannata galuu qofa odoo hin ta'iin, ammarra Kiristoosin fakkaachudha (Efs 1:4; 2:10) Akka "qulqullootaafi komii dhabeessa taanuuf" filatamne. Waaqayyo nu jijjiiruuf nufilate, achirraan jijjiirama keenya arganii amantiin gara Kiristoositti akka dhufanii jedhe. Yaadaan qabuun loogii dhuunfaaf ta'e odoo hin taanee itti gaafatama kakuudha.

▣ **"fakkaattii ilmasaa"** kun dhugaa dubbisa kanaati. Kun galma kiristaanummaati (Gal 4:19; Efs 4:13) Quqlummaan fedha Waaqayyo amantoota hundaaf qabudha. Filannoon Waaqayyo Kiristoosin fakkaachudha. (Efs 1:4) malee dhaabbi addaa miti. Fakkenyi Waaqayyoo gaafa uumamaa namaaf kenname (Uma 1:26, 5:1, 3;9:6) ni deebi'a (Qol 3:10). Yaadanno 8:21 fi mataduree addaa : yaamicha 1:6 ilaalaa.

▣ **“obboloota baayyeedhaaf hangafa ta’uuf jiru”** Far 89:27 keessatti “Hangafnii” maqaa masiihiti. Kakuu Moofaa keessatti hangafni loogiifi caalmaa qaba. jechichi Qol 1:15 keessatti caalmaa yesuus uumaa keessatti qabu fi Qol 1:18 fi Mul 1:5 keessatti caalmaa Yesuus du’aa ka’utti argate agarsiisa. Yaada kana keessatti moo karaa Isaa caalmaa Isaatti isaan fiduusa agarsiisa.

Jechichi du’a ka’uu Kiristoos hin agarsiisu, akka mataa sanyii haarawaati (5:12-21), tarree keessa isa jalqaba ta’uu, faana amantii keenyaa ta’uu, fi bi’oo eebba Abbaa warra maatii amantiisaa ta’aniif malee, mataduree addaa kanatti aanee jiru ilaalaa.

**MATADUREE ADDAA : HANGAFA**

Jechi kun “hangafa” (prototokos) Kitaaba Qulqulluu keessatti miira gagaraan tajaajilaa jira.

1. dudduubbeen Kakuu Moofaa isa caalmaa hangafni maatii qabu agarsiisa (Far 89:27; Luq 2:7; Rom 8:29; Ibr 11:28)
2. Qol 1:15 keessatti Yesuusiin akka uumama dura ture akka itti eera Kakuu Moofaa Fak 8:22-31, ykn bakka bu’aa uumama Waaqayyo (Yoh 1:3, 1Qor 8:6; Qol 1:15-16; Ibr 1:2) fayyadama.
3. Qol 1:18; 1Qor 15:20 (asitti) Yesuus warra du’an keessaa hangafa ta’uu agarsiisa.
4. Kakuu Moofaa keessatti akka maqaa Masiitti (Far 89:27; Ibr 1:6; 12:23) adeera. Hangafoomaafi giddu galummaa Yesuus kan walitti makee qabe maqicha ture. Yaada kana keessatti #3 ykn #4 irra itti lixa.

**8:30 “ulfaate”** Waaqayyo Kitaaba Qulqulluu keessatti irra deddeebi’amee “ulfinaan” ibsameera. Jechichi jecha daldalaa “ba’aa ulfaatu” agarsiisudha; gargalchaan galii qabeessa, akka warqee, agarsiisa. Mataduree addaa 3:23 ilaalaa. Akka xinamantiitti Waaqayyo cubbuu sanyi namaa sadarkaa lak 29-30 keessatti ibsameen ni dhiisa. Sadarkaan xumuraa sunis “ulfina” kun fayyina guutuu amantootaati. Gaafa guyyaa du’aa ka’u ta’a yeroo qaama afuuraa haarawaa argatan. (1Qor 15:50-58) sadacha Waaqayyoo makamaniifi walinis makamanidha. (1Tas 4:13-18; 1Yoh 3:2)

**8:31-39**

**31Kana hundumaa irratti Waaqayyo gara keenya erga ta'ee, eenyutu nu irratti ka'a jenna ree?**
**32Waaqayyo ilma isaa utuu hin mararsiifatin hunduma keenyaaf dabarsee erga kennee, waan hundumaas immoo ilma isaa wajjin tola nuuf hin kennuu ree? 33Warra Waaqayyo fo'ate eenyutu hadhees sa ree? Erga Waaqayyo akka waan bal1eessaa hin qabneetti isaan lakkaa'ee, kan hadheessu hinjiru. 34Eenyutu itti farada ree? Erga Kristos Yesus du'ee kaafamee immoo, gara mirga Waaqayyootti argamee Waaqayyoon nuuf kadhatee, kan itti faradu hin jiru. 35Eenyutu jaalala Kristosittii gargar nubaasa? Gidiraan yookiis muddamni, ari'atamuun, beelli yookiis quIlaa ta 'uun, sodaachifamuun yookiis biIlaan gargar nu baasuu danda'aa ree? 36"Sababii keetiif namoonni guyyaa guyyaatti nu keessaa ni ajjeefamu, akka hoolota qalamuuf 37Waan nu irra ga'e hundumaatti garuuu, karaa isa nu jaallatee mo'icha guddaa arganna.**
**38Duuni, jireenyi, ergamoonni waaqa irraa, warri bantii waaqaa keessatti aboo qabu jedhamanii sodaataman, wanti amma jiru, wanti dhufuuf jirus hundinuu, wanti humna argisiisuu danda'us, jaalala Waaqayyoottii gargar akka nu hin baafne ani beeka. 39Wanti ol ka'ee jiru, wanti gad fagaatee jirus, uumama keessaa wanti biraas, jaalala Waaqayyoo isa karaa gooftaa keenyaa Kristos Yesus nuuf dhufettii, danda' ee gargar nu hin baasu .**

**8:31 “kanaan maal jennaaree?”** kun gaalee Phaawuloos ittin tutuqa dubbii fayyadamuuf jaalatudha. (3:5; 4:1; 6:1; 7:7; 9:14, 30) Gaaffiin kun dhugaa dura kennametti firmooma hangama dubatti deebi’ee agarsiisu ifa miti. 3:21-31 ykn 8:1 ykn 8:18 agarsiisu mala. Sababa jecha “kanaafuu” jetuu 8:1 keessatti fi yaada 8:18 tilmaama gaariidha.

▣ **“yoo” (Hima haalaa kutaa dursaa)** jedhama. Kallatti barreessichaan ykn akeeka barruudhaaf dhugaadha jedhamee tilmaamama. Ajaa’iba qabsoo keenya cubbu wajjin keessatti, Waaqayyo gara keenya.

▣ **“eenyutu nuratti ka’a”** Bakki maqaa “eenyu” jedhu lak 33, 34 fi 35 keessatti irra deebi’ame. Seeyxaana agarsiifti (maqaan hin yaamane hanga 16:20)ti. Buufanni kun 31-39 toftaa barreeffama Kakuu Moofaa raajotaa, dhadhacha (Mik 1 fi 6) fayyadama. YHWH sabasaa ejjan gara dhadhachaa geese. Itti fufiinsa Isa 50:8-9ti

Jechoota seera “farra” lak 31 “komii” lak 33; “quqlullaa’uu” lak 33 “balaaleffachuu” lak 34 fi “araarsuu” lak 34 hubadhaa. Waaqayyo abaa murtiidha. Kiristoos abukaattodha. Seeyxaanni abbaa halangee (garuuu callisaadha). Ergamtoonni dhadhacha guutani dhaggeeffatu. (1Qor 4:9, Efs 2:7; 3:10)

**8:32 “Waaqayyo ilmasaa utuu hin mararsifatiin”** Waaqayyo sanyii namaaf caalaa isa kenne. Amantoota hin dhiisu ykn hin xiqqeessu (Yoh 3:16; Rom 5:8) Aggaamiin akkamitti Waaqayyoo haaloo Kakuu Moofaa fi Yesuus jaalalallee taa dha kenni daangaa hin qabne dubbii Waaqayyo Abraahamitti Uma 22:12, 16 keessatti dubbateen mul’ateera. Barsiisonnis dubbisa Kakuu Moofaa kana dibama bakka bu’ummaa deggeruuf sanyii Abrahaamii qabatan barsiisaniiru.

▣ **“hunduma keenyaaf dabarsee kenne”** Jechi “hunda” jettu yaada kana keessaa barbaadamtudha. Yesuus cubbuu addunyaaf du’e (Luq 2:10-11; Yoh 3:16; 4:42; 11:51: 1Xim 4:10, 1Yoh 2:2; 4:14). Xingosoma Adam-Kiristoos agarsiisa. 5:12-21. Duuti Yesuus rakko cubbuu hambise. Amma rakkoon “amantii fudhuu”dha.

▣ **“waan hundumaa tola nuu kenne”** Hiddi gochima kanaa Giriik ayyaana jedhudha. “waan hunda” lak 17 agarsiisa. Yaadannoo 3:24 ilaalaa.

**3:33-34 “hadheessa … balleessa hinqabne… hadheessa . kadhat”** Hundi jechoota seeraati. Lak 31-39 argaa dhadhacha jannata jiruuti. Kun itti lixa Isa 50:8-9ti.

**8:33 “Waaqayyo to’ate”** Yesuus to’a Waaqayyo ilmaan namootaaf to’atedha. Dubbisni quqlulluufi guutuu dhugaa kana Kakuu Haaraa keessatti Efs 1:3-4 fi Rom 9:14-26ti. Abbaan sanyii namaa hunda filachuuf Yesuusiin filate. yesuus “eyyee” Waaqayyoo “miti” cubbamootaati.

**MATADUREE ADDAA: FILANNOO/DURMURTAA’O madaallii**

Xinamantiif barbaachisoo

Filannoon doktiriina bareedadha. Haa ta’uti, yaamicha caalummaa miti, yaamicha bo’oo, meeshaa ykn fala ittis dhiifama warra Birooof ittin godhanidha. Kakuu Moofaa keessatti jechichi jalqaba tajaajilaaf, Kakuu Haaraa keessatti moo jalqaba fayyina isa tajaajila baatuufi. Kitaaba Qulqulluu tasuma garaagaruummaa birmadummaa Waaqayyoofi fedha tola namaa araarsu hin rakkatu, garuuu lameeniinu ni mirkaneessa. Fakkeenyi gaarii Kitaaba Qulqulluu Roomaa 9 filannoo birmaduu Waaqayyoofi Roomaa 10 deebii barbaachisa sanyii namaati (10:11,13)

Furtuun muddama xinamantii kanaa Efs 1:4 keessatti argama. Yesuus nama Waaqayyo filate yoo ta’u warri kaan ammooo isaan filaman (Karl Barth). Yesuus “eeyyee” Waaqayyoo cubbamtoota irrattiti (Karl Barth). Efesoon 1:4 ifatti kan deggeru galmi durmurteessuu jannata akka hin taane, garuuu qulqullummaa (Kiristoosin fakkaachu) ta’uu mirkaneessa. Nuyi faayidaa wangeelaan booji’amnee ittigaafatama baqachuu hin qabnu. Yaamichi (filannoon) Waaqayyoo yeroodhaafi bara baraafi!

Doktirinni dhugaa Biroootti, baaqqee miti, dhugaa walitti hin firmoomnetti hidhatee dhufa. Fakkeenyi gaariin tuuta urjiifi urjii qeenxeedha. Waaqayyo dhugaa akka warra bahaatti malee dhiyaatti hin keenye. Muddama dhugaa barbaada (faallaa) dhugaa doktiriina dacha hamsisuu hin qabnu.

1. durmurtaa’o amantootaafi barbaachisa dhamaasu
2. nageenya amantootaafi barbaachisa dhamaasu
3. cubbuu ka’umsaa fi cubbuu filannoo
4. cubbuu maleeyummaa (sirracha) fi cubbu xiqqaachu
5. qulqullummaa jalqabaa fi eebbaa fi eebba dagaagina
6. walabooma kiristaanaa fi iddo hunda jiraachu Waaqayyo
7. guddummaa Waaqayyoo fi iddo hunda jiraachu Waaqayyoo
8. Birangahamummaa Waaqayyoo fi Beekamu Waaqayyoo Kitaaba Qulqulluun
9. Mootummaa Waaqayyo akka jiruu fi dhumatu fulduraa
10. Qalbi diddiranna akka kennaa Waaqayyoo fi qalbi diddirannaa akka deebii kakuu namoota barbaachisaa
11. Yesuus akka humnaafi Yesuus akka namaa
12. Yesuus abbaan qixxeefi yesuus akka tajaajilaa Abbaati

Yaadni xinamantii “kakuu” birmaduu Waaqayyoo (isa yoo mara ka’umsa fudhatuufi ajandaa kaa’u) dirqama ka’umsaafi qalbi diddirranna itti fufee jiru fi deebii amantii namootaa wajjiin walitti gamtoomsa. Yoo mara

dhugaa gar tokko qofaa ilaaluun isa kaan balaaleffachu irraa of eegaa. Doktiriina ykn xinamantii caalchifattu qofa waabduurra of eeggadhu.

**8:34** Lakkoofsi kun barsiisa Yesuus kallatti hedduu tarreessa (1) ni du'e (2) ni ka'ee (3) mirga Waaqayyo jira fi (4) amantoota ni araarsa.

Duuti Yesuus adabbi cubbuu ta'e (Isa 53, Marq 10:45, 2Qor 5:21) Du'aa ka'uun Kiristos moo fudhatamuu barsiisa ilmaa, fi abdii qormaataafi du'a fulduratti kenname agarsiisa. Ulfinni Kiristoos mirga Abbaatti argate fi araarsi isaa amantootaaf jajjabina **lala** amantii kennaaf.

▣ **"mirga Abbaa"** kun akka dubbiiti. Waaqayyo dhaqna qaamaa hinqabu. Inni "afuura". Dubbiin kun iddo humnaa, aangoofi hundarra caalumma isaa dubbata. Phaawuloos dubbi kana irra hin deddeebine (Efs 1:20; Qol 3:1) Phaawuloos amantii kiristaanota ganama tuqa lak 34 keessatti (Filp 2:6; 1Xim 3:16)

▣ **"araarsa"** Barsiifni Yesuus itti fufeera. Yesuus nu araarsa (Ibr 4:4-16 7:25) akkuma afuuraa (lak 26-27) kun jecha "paraclet" irraa dhufee Yoh 14:16 keessatti Afruuraaf 1Yoh 2:1 keessatti Ilmaaf ta'edha. Kun itti eera faaruu tajaajilaa gidiraati (Isa 53:12)

**8:35 "jaalala Kiristoos"** Kunis ykn (1) jaalala Kiristoos amantootaaf ykn (2) jaalala amantoota Kiristoos ta'a. Lak 1 baayyee yaada kanaaf lixa. (fi 2Qor 5:14) sababaa jaalalli Kiristoos mirkanaa fi dhaabbataadha.

Gaalee kana wajjin kan hidhatu barreeffamni Giriiki ni jira. Barruu Giriiki durii tokko "jaalala Waaqayyoo" qaba (MS?) Barruun durii tokko moo" jaalala Waaqayyoo Kiristoos keessaa" jedhee walitti makeera. (MS,B) maxxansitoonni YBS4 "jaalala Kiristos" jedhan "A" jala godhani jira. MSS, C, D, F, G fi hiikkaa Laatiin durii fi Vusgate fi Peshittaa keessatti argama.

▣ **"Gidiraa yks muddamma yks ariiyatamuu"** kiristaanonni biyya lafaa kanatti rakkinoota qabu, garuuu rakkooleen kunneen ykn humnai amajaajii kamuu Waaqayyorra adda isaan hin baasu mataduree addaa :Gidiraa 5:3 ilaalaa.

**8:36** kun waraabbi Far 44:22 ti. Faarsaa kana irratti Waaqayyo miidhame sabasaatiif akka baraaruu yaamame.

**8:37**
**KQSAH** **"waan nurra gahe hundummatti isaan mohicha arganne"**
**KJHH** **"ammallee kana hundatti gooftaa olitti mohanneerra"**
**KQSHH** **"waan kana hundatti gooftaa olitti mohanneerra."**
**TIV** **"waan kana hundatti isaan mohicha guutuu arganneerra."**
**KQJ** **"isaan kun faana bu'insa karaa ittiin injifannoon geenyuuti."**

Kun jecha "injifannoo" jedhu baballateedha. Phaawu.oos jecha kana (huper + nikao) irra gudunfuu hin oolu. Kun dubbii bareedudha. "hoolaa mohichaa" Amantoonni karaa Kiristoos injifattoota. (Yoh 16:33; 1Yoh 2:13-14, 4:4; 5:4)

▣ **"karaa Isaa nu jaallate"** Bakki maqaa Abbaafi Ilma agarsiisa.

**8:38 "ani beeka"** "ani amaneera nin amanaa" jechudha.

▣ **"ergamoota"** Barsiisonni akka hubatanitti jaalala Waaqayyoo fi sanyii namaaf yaadu isaatti hinaaffoota waan ta'aniif itti hammaatu. Barsiisonni sobaas kanatti hirkatanii fayyinni iccitidha qileensa hammenya ergamootaan guutame keessatti jedhanii barsiisu. (Qol fi Efs)

Goorge Eldon Ladd kitaaba isaa "The Teology of New Testament jedhu keessatti jecha Phaawuloos ergamtootaan jedhu bareechee kaa'eera.

"Phaawuloos ergamoota gaarii fi yaraa seeyxaanaa fi Waaqa tolfamoo; qofa agarsiise miti. Jechoota afuura ergamoota sadarkaan kaa'u moggaaseera. Akka armaan gadiiti.
'Hogganaa (arche) 1Qor 15:24, Efs 1:21, Qol 2:10

‘Hoggantoota (archai) RSV “qajeelchaa”] Efs 3:10; 6:12; Qol 1:16; 2:15
‘Aangoo (exousia) 1Qor 15:24; Efs 1:21; Qol 2:10
‘Abbaa aangoo (exousia) RSV “abbaa aangoo”] Efs 3:10; 6:12; Qol 1:16; 2:15
‘Humna’ (dynamis) 1Qor 15:24; Efs 1:21
‘Humnoota’ (olyameis) Rom 8:38
‘Gonfoo’ (thronoi) Qol 1:16
“Gootummaa (kyriotes, RSV “abboomuu”] Efs 1:21
“Gooftaa (kyriotetes Qol 1:16
“Maqaa moggaafame hunda Efs 1:21
“wantoota Waaqa keessaa lafarraafi galaana keessaa Filp 2:10” ful 401)

Odeeffannoo ergamoota bara Kakuu Moofaa keessaa kufaniifi warra Kakuu Haaraa keessaa hidhata qabanii Kitaaba Qulqulluu keessaa argamu hin jiru. Bayyonni garuuu akka walfakkaatan ni amanu. Hogbarruu yihudotaa afuura hamaa kana afuura Neetiliim Uma 6 keessa jiran cinaacha namooma cinaacha ergamummaa qabanii agarsiisa. Isaan bara dambalii’a galaanaa dhabaman. Kanaaf fakkeenya barbaadu. Kun oduu tilmaamaati. Kitaaba Qulqulluu gaaffii keenya waa’ee ka’umsa uumama hunda hin deebisu; akeeknisaa qalbii diddiranna malee dharra’u isaanii miti.

▣ **“aboo qabuu … humna”** kun kan agarsiisu (1) ergamoota amajaajii ykn afuura hamoo bara kanaati (Efs 2:2; 6:12, 1Qor 15:24; Qol 1:16) ykn (2) caasaa addunyaa kufaatii (amantii, mootummaa, barumsa, qoricha kkf) isaan namoota Waaqayyorra adda baasaadha. (Hendrickus BerKakuu Haaraaoff; principalities and power) yaadanno 13:1 ilaalaa.

**MATADUREE ADDAA : JALQABA (ARCHE)**

Jechi “abbomu” jedhu jecha Giriik arche jedhudha hikkaansaa “jalqaba” ykn “ka’umsa” waa tokko jechudha.

1. Jalqaba tarree uumamaa (Yoh 1:1, 1Yoh 1:1)
2. jalqaba wangeelaa (Marq 1:1; Filp 4:15)
3. ragaa ijaa duraa (Luq 1:2)
4. jalqaba mallattoo (ajaaji’ba Yoh 2:11)
5. jalqaba akeekaa (Ibr 5:12)
6. jalqaba Waabadii (ofitti amanuu (Ibr 3:14)

“Hoggansaa” ykn “taayitaa” bakka bu’ee tajaajiluuf dhufe.

1. bulchitoota namoota
   a. Luq 12:11
   b. Luq 2:20
   c. Rom 13:3, Tit 3:1
2. abbooti taayitaa ergamoota
   a. Rom 8:38
   b. 1Qor 15:24
   c. Efs 1:21; 3:10; 6:10
   d. Qol 1:16; 2:10,15

Barsiisonni sobaa kun aangoo lafaafi Waaqarra hunda ni balfu. Fedhii Waaqayyoo, ergamootaa, abbootii taayitaa fi hogganoota waldaa of dursu.

**8:39 “ol ka’insa ykn gadi fageenya”** jechoonni kun hojiilee dhaha lakka’aniif faro namaa murteessan fakkaatu. (astrolojy) Booda garuuu Jenostisizim keessatti jechoota teekinikaa ta’ani. eons ykn sadarkaa ergamtoota waaqolii irraa fi jalaa warra naan cubbamaa uuman gidduutti.

▣ **“wantoota uumaman Birooo”** kun “uumama waan Birooon” (heteros) agarsiisa. Yaadichi humna ergamoota fageessa argiisiisu barbaada. Garaagaruummaan durgitaa Giriikootaa heteros, adda Birooo, fi allos adda Birooo, giddu jiru gonkuma koine Girikii ta’e, garuuu yaadni kun garaagaruummaa ta’e agarsiise.
▣ **“ykn … homtuu Waaqayyo irraa adda nu baasuu hin danda’u”** Dubbii waabdii dinqidha. Boqonnaan kun balaaleffano malee eegaleeti addaan bahinsa malee xumura. Fayyina amantoota homtuu fudhachuu hin danda’u. Haa ta’uuti namni tokko ka’umsa irratti deebii kennu qaba. (3:21-31) fi ittis fufu qaba. (Boqonnaa 4-8).

Afuurri furtuudha, garuuu kakuu dirqama deebii'u qabutu jira. Qalbii diddirrannaafi amantiin barbaachisu (Marq 1:15, HoE 3:16, 19, 20:21) akkuma ajajamuufi dhiphina!

**GAAFFIILEE MARII**

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti. Kanaaf hiikkaa kitaaba Qulqulluu keetiif itti gaafatamoodha. Tokkoon tokkoo keenya ifa qabnu keessa deddeebi'uu qabna. Ati, kitaabnii Qulqulluu keetiifi afuurri Qulqulluu hiikkaa keessatti dursitooa. Ibsaa wajjiin walitti laaquu hin qabdu.

Gaaffileen marii kunneen kan dhiyaatan dhimmoota muummee kutaa kanaa kan ta'an irratti akka ati yaadduuf akka si gargaaruufi isaanis warra ilaalcha daddammaqsan malee ibsa gaafatan miti.

1. Boqonnaan 7 akkamitti boqonnaa 8 ti firooma?
2. Yoo balaaleffannoon hin jirree akkamitti cubbuun jireenya amantootaa miidhaa?
3. Afuurri ykn yesuus amantoota keessa ni jiraa? (lak 9)
4. Akkamitti uumamni cubbuu namootaan miidhamee? (lak 19-22)? Uumamni qaama jannataati (Isa 11:6-10)?
5. Akkamitti Afuurri nuuf kadhataa? (lak 26-27)? kunihoo "afaanii dubbachuu" dabalataa?
6. Akkamitti Kitaaba Qulqulluu addunyaa amajaaji keessatti hundi gaarummaa hojjetu jedhaa (lak 28)? "Gaarii" ibis (lak 29)
7. Maaliif canacala xinamantii ta'oota keessatti eebbii dhiifamee (lak 30)?
8. Maaliif (lak 31-39) argaa dhadhachati jedhamee?
9. Lakkoofsi 34 waa'ee Yesuus kaniin mirkansu keessaa waan afur tarreessi.

# ROOMAA 9

| HIRAMSA BUUFAAA HIIKKAA HAMMAYYAA | | | | |
|---|---|---|---|---|
| **YBS[4]** | **KJHH** | **KQSHH** | **TIV** | **KQJ** |
| Filannoo Waaqayyoo<br>9:1-5 | Israa'el Kiristoosin ganuushee<br>9:1-5 | Amanuu dhabuu rakkina Israa'el<br>9:1-5 | Waaqayyoof sababsaa<br>9:1-5 | Caalmaa Israa'el<br>9:1-5 |
| 9:6-13 | 9:6-13 | 9:6-13 | 9:6-9<br>9:6-13 | 9:6-13 |
| 9:14-18 | Ganiinsa Israa'eliifi murtii Waaqayyo<br>9:14-29 | Filannoo mirga Waaqayyoo<br>9:14-18 | 9:14-18 | Waaqayyo qixa malee hin faradu.<br>9:14-18 |
| Dheekkamsaafi araara Waaqayyoo<br>9:19-29 | | 9:19-26 | Aariifi araara Waaqayyoo<br>9:19-21<br>9:22-29 | 9:19-21<br>9:22-24<br>Hundi Kakuu Moofaa keessatti durse himame<br>9:25-29 |
| Israa'eliifi Wangeela<br>9:30-10:4 | Haala Israa'el yeroo ammaa<br>9:30-33 | 9:27-29<br>Qajeelummaan dhugaa amantiini<br>9:30-10:4 | Israa'eeliifi wangeela<br>9:30-10:4 | 9:30-33 |

**MARROO DUBBISAA SADII**

SADARKAA BUUFAAATTII FEDHA BARREESSICHAA HORDOFUU

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti. Hiikkaa Kitaaba Qulqulluu keetiif ittigaafatamoodha. Tokkon tokkoo keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, Kitaaba Qulqulluu, fi afuura qulqulluu hiikkaa keessatti dursa qabdu. Kana ibsaaf dhiisuu hin qabdu.

Boqonnicha taa'umsa takkaan taaii dubbisi. Dhimmicha addaan baafadhu. Hiramsa dhimma kee hiramsa hiikkaalee shaman irra keessa wajjiin walbira qabii madaali. Buufanni afuuraahuun miti, garuuu fedha bareessicha ka'umsaa hordofuuf, isa handhuura hiikkaadhaaf furtuudha. Buufanni hundi dhimma tokkoofi tokko qofa qaba.

1. Buufata duraa
2. Buufata lammaaa
3. Buufata sadaffaa
4. Kkf

Walitti dhufeenya boqonnaa 9-11fi boqonnaa 1-8ti

A. Karaa hubannoo walitti dhufeenya boqonnaa kanaafi boqonnaa 1-8 lamatu jira.

1. Guutumatti mataduree addaadha, xinamantii hammattudha
   a. Fuggina hamaafi hanqina walhidha loojikiitu 8:39 fi 9:1 gidduu jira.
   b. Muddama seenaa waldaa Roomaa keessa jiru, amantoota yihudaafi amantoota Ormaa gidduu jiru hidhata qixaa qaba. Feetu isa guddataa dhufe hoggansa waldaa Oromootaa wajjiin hidhata ni qabaata.
   c. Waa'ee lallaba Phaawuloos Israa'elin ilaalchisee (seera) fi waa'ee ergamu isaa warra Ormaatti (kenna ayyaan tola irratti hanqina hubannootu ture. Kutaa kana keessatti waa'ee kanaa kaasa.
2. Dhiitaafi goolabbii dhiyeessa wangeela Phaawuloosidha.
   a. Phaawuloos boqonnaa 8 kan goolae "jaalala Waaqayoo irraa adda bahuun hin jiru" abdii jedhuuni. Waa'ee warra saba kakuu hinamannee maaltu ta'ee?
   b. Roomaa 9-11 faallaa wangeelaa waa'ee Israa'eeloota hin amannee deebii kenna.
   c. Phaawuloos rakkoo kana hundaa ergoota isaa keessan tuttuqeera (1:3, 16; 3:21, 31 fi 4:1

d. Phaawuloos Waaqayyo sagalee isaaf dhugaa ta'uuf falmta. Waa'ee sagalee Km Israa'elootaawoo? Abdiin sun hundi duwwaafi gatee dhabanii?

B. Boqonnaa kana tarreessuuf karaa hedduutu jira

1. Itti fayyadama muggutii Phaauloos
   a. 9:6
   b. 9:14
   c. 9:19
   d. 9:30
   e. 11:1
   f. 11:11
2. Roomaa 9:11 boqonnaa barruu ta'a (boqonnaafi hiramsi lakkoofsaa hafuurahuun miti.) Guutummaa akka jirutti hiikkamu qaba. Haa ta'uuti xiqqatu hiramsa dhima sadiitu jira.
   a. 9:1-29 (birmadu Waaqayyootti xiyyeeffata)
   b. 9:30-10:21 (Ittigaafatama namootaa irratti xiyyeeffachuun)
   c. 11-1-32 (akeeka Waaqayyoo hunda dabale, bara baraafi
3. Yaadni ijoo: tarreen bareeda kutaa Roomaa kanaa hiramsa buufataa KJHH isa Thomaas Nelson maxxansedha
   a. Israa'eel Kiristoosin ganuushee 9:1-5
   b. Israa'eel akeeka Waaqayyoo ganuushee 9:6-13
   c. Israa'eel firdii Waaqayyo ganushee 9:14-29
   d. Haala Israa'el amma itti jirutu 9:30-33
   e. Israa'eeliifi wangeela 10:1-13
   f. Israa'eel wangeela gante 10:14-21
   g. Ganiinsi Israa'el hundaa miti 1:1-10
   h. Ganiinsi Israa'el xumura miti 11:11-36

C. Kutaan kun hanga booya lapheedha hanga dhiyeessa sammuu (tarreessa loojiikii) dhaa ti. Dhangalaasi isaa Israa'eloota ganan Hosee 11:1-4, 8-9 keessatti ta'eeti asittis Waaqayyo laphee cabsu argina.

Karaa baayyee dhukkubbiifi gaarummaan sericha boqonnaa 7 isa boqonnaa 9-10 wajjin cinaayina qaba. Karaa lameeniiu lapheen Phaawuloos ciigoo seera Waaqayyoo biraa bakka jireenyaatti du'a fideeti cabeera!

D. Phaawuloos tuqa dubbi si'a 25 oliif Kakuu Moofaa keessaa gara boqonnaa 9-11ti waraabeera. Kanas faalla'uu Israa'el madda kakuu Moofaarra agarsiisuuf ture, akkuma kana dura boqonnaa 4 keessatti godhe malee, waan haarawaa miti. Dhaloonni Abrahaam irra caalaan Waaqayyoon gananii yeroo darbe, (HoE 7, Neh 9)

E. Yaadni kun, akkuma Efs 1:3-14 waa'ee akeeka Waaqayyo bara baraa dhiifamu cubbuu sanyi namootaa haasa'a. Jalqabarratti Waaqayyo namoota muraasaa qofa filatee kaan waan gate fakkeessa (supralapsarian kalvanism). Haa ta'uuti, akkan yaadutti xiyyeeffannoon isaa dhuunfaan miti garuuu kaoora Waaqayyo dhiifamu cubbuu bara baraati. (Uma 3:15; HoE 2:23; 3:18; 4:28; fi 13:29)

Ibsituun Kitaaba Qulqulluu Jerome, jildi 2 "The New Testamant" jettu Yoseef A. Fiymaayer fi Raymandi E. Biraawun akkas jedha. "Kallattiin Phaawuloos walargaarsa ta'uu dhugeeffachuu barbaachiisaadha. Ittigaafatama dhuunfaa hasa'aa hin jiru. Gaaffii human durmurtaa'oo kan gaafatu fakkaatullee, kun durmurtaa'oo dhuunfaa gara ulfinaa wajjiin homaa hin qabu. (Ful 318)

Ilaa qabiyyee boqonnaa 9

A. Boqonnaa 8 fi boqonnaa 9 giddu jijjiirama amalaa hunde qabeesa ta'e maaltu dhalaee?

B. Kutaan barruu (9-11) jiru akka xinamantiiti wanni eeru
   (1) Hundee fayyinaa
   (2) Aakeeka filannoo Waaqayyoo
   (3) Hankaakina al amantii Israa'elootaafi amanamummaa YHWH fi (4) dhiifama cubbuu Yesuusitti hundi makamuu.

C. Boqonnaan 9 birmaduu Waaqayyoo irrati dubbisa jabaa Kakuu Haaraati. (SS namBirooo, Efs 1:3-14) wayita boqonnaan 10 ifatti waa'ee fedha tola namootaa eeruti. ("tokkoon tokkoo" lak 4 "eenyullee" lak 11, 13; "hundi" lak 12 (si'a lama) Phaawuloos muddamma xinamantii kana laaffisuu gonkumaa hin yaalle. Lameenuu dhugaahda. Doktiriini Kitaaba Qulqulluu baayyee faallaadhaan ykn dacha dhugaan fudhatu. Toftaan xinamantii irralaalaan loojiikaan garuuu dhugaa Kitaaba Qulqulluu gamtokko qofa qulqulleeffatu. Lameen Awugistiniiyaaniifi kalvanism gama Semi Pelaajanizimiifi Armaniiyaanizim dhugaafi doggora ni

qabu. Muddamni doktiriina Kitaaba Qulqulluu odoo yaada qulleessuu, dogma, walaba, toftaa xinamantii isa Kitaaba Qulqulluu gara hiixxaa xaxaa durse taa'eti geessa

D. 9:30-33 dhimbiibaa boqonnaa 9ti fi qabiyyee boqonnaa 10ti

Qo'annoo Jechaafi gaalee

**9:1-5**

**[1]Ani Kristosiin dhugaadhuman dubbadha; ani hin sobu, yaadni garaa koos hafuura qulqul1uudhaan dhugaa anaaf ba'a. [2]Wanti ani dubbadhu, wanti yaadni garaa koo dhugaa anaaf ba 'us, gadda guddaa akkan qabu, gaddi kunis utuu gargar hin citin garaa koo kan na dhukkubsu akka ta'ee dha. [3]Isaan ni gargaara yoo ta'e, sababii obboloota koo warra foon koo fi dhiiga kootiif jedhee, ofii kootii Kristosittii gargar kutamee utuun abaaramee iyyuu nan jaal1adhan ture. [4]isaan saba Israa'el; ilmummaan, ulfinni isaa, kakaan yeroo yerootti kakatame, seerri, waaqessuun, abdiin garaa garaas isaaniif kennaman. [5]Abboonni qomoo kan isaanii ti; akka firooma fooniittis Kristos qomoo isaanii keessaa dhalate. Waaqayyo inni hundumaa gara irraa jiru bara baraan haa galateeffamu! Ameen.**

**9:1-2** Lakoofsi 1 fi 2 akka Giriikitti hima tokko. Phaawuloos hangam dhugaa dubbataa akka jiru (waldaa Roomaa jirtutti) ragaa hedduu dhiyeefataa jira (1) Kiristoosiin tokkoomuu lak 1 (2) yaada garaa isaa hafuura qulqulluun guutamuu lak 1 fi (3) Israa'eeliifi baayyee dhimmamuu lak 2 dha.

**9:1 "Ani Kiristoosin dhuguman dubbadha, hin sobu"** Phaawuloos dubbii kana irra deddeebi'e (2Qor 11:10, Gal 1:20: 1Xim 2:7) ykn ragaa Waaqayyo walfakkaataa ni dhiyeeffata. (Rom 1:9; 2Qor 1:23; 11:31; Filp 1:8; 1Tas 2:5, 10) kun mirkansa dhugooma barsiisaafi lallaba isaati.

▣ **"yaada garaa kootii"** kun amantootaaf kenna Waaqayyoo haamilee afuuraa oofamu agarsiisa. Gama tokkoon amantootaaf kun madda taayiaa furtuudha. Sagalee Waaqayyo, hafuura Waaqayyoon kan hubatamuufi gara sammuu keenyaati daalamudha (1Xim 1:5, 19) Rakkinni kan dhufu yeroo amantoonni akkanuma al-amantoonni sagaleefi afuua gananii; yoo kana cubbuu namtokko qalbeeffachuuf salphaa ta'a. (1Xim 4:2). Yaadni garaa keenyaa adaafi muuxannoon ni haalayooma.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KJHH** | **"hafuura qulqulluun dhugaa anaaf ba'a"** |
| **KQSHH** | **"Hafuura qulqulluun mirkansa"** |
| **TIV** | **"hafuura qulqulluun qajeela"** |
| **KQJ** | **"hafuua qulqulluu wajjin ta'uun"** |

Phaawuloos yaamichaafi mirga adaa qabaachuusaa ni amana (HoE 9:1-22; Gal 1:1) Ergamadhaas, humnaan dubbata (1Qor 7:25, 40). Aarii Waaqayyoo al amantootaa saba Israa'eel irratti qabu ni qooddata. (lak 2) carraa baayyee ni qabu (lak 4-5)

**9:3**

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KQSHH** | **"fedha koo ture"** |
| **TIV** | **"isaaniif jecha fedhii kooti"** |
| **KQJ** | **"Ni gedha ture"** |

Phaawuloos saba isaatiif baayyee Israa'eeliif itti dhagahama, addaan bahuunsaa yoo isaaniinmoo ni dabala ta'e fedhii qaba ture lak 3. Lakkoofsi kun hangas mara xiyyeeffanno jaaa seerlugaa qaba ture. Gadi fageenyiifi ba'aan kadhata kanaa kadhaa araaraa Muuseen Israaeelooa cubbamo ba'u 32:30-35 keessatti kadhateen walfakkaata. Kunis akka dubbii fedhii malee haqaatti hin fudhatamu. Ittifayyadama henna imperfect tense Gal 4:20 walfakkaata mataduree addaa itti aanee jiru ilaalaa.

**MATADUREE ADDAA : KADHATA ARAARAA**

I. Seensa

A. Sababa fakkeenya Yesuus kadhatni barbaachisaadha.
   1. Kadhata dhuunfaa, Marq 1:35: Luk 3:21; 6:12, 9:29; 22:29-46)
   2. Mana kadhaaa quqlulleessuu Mat 21:13; Marq 11:17, Luq 19:46
   3. Fakkenya kadhataa Matt 6:5-13; Luq 11:2-4
B. Kadhatni amantii keenya dhuunfaan, Waaqayyoon jiraataa eeguu, fedhuu, bakka keenyaaf namoota waa gochuu hojmaatssu.
C. Waaqayyo iddoo baayyetti kadhata ijoollee isaarrati qofa (Yonas 4:2) hojjechuuf of murteesseera.
D. Akeekni kadhataa waloomaafi sadacha Waaqayyoo wajjiin yeroo godhachuudha.
E. Hangi kadhataa hammata'e ykn dhimma amanaati. Takka kadhachuu, amanuu ykn irra imaatti akkuma dhimma ykn yaadni abbometti ni ta'a.
F. Kadhanni dhima hedduu hammata.
   1. Galataafi leellifaa sadacha Waaqayyo
   2. Galata kennaa Waaqa jiraataa, waloomaafi kenna
   3. Cubbamuu keenya amanuu, isa darbeefi amma
   4. magantaa fedhii keenyaa
   5. araara namootaafi Abaa fuldura dhaabbachuu
G. Kadhanni araaraa iccitiidha. Waaqayyoo wara nuyi isaaniif araara kadhannu nu caalaa jaalatan, garuuu kadhanni Kenya ni hojjeta, jijjiira, nu keessati qofa miti isaan keessatuu

II. Meeshaalee Kitaaba Qulqulluu
   A. Kakuu Moofaa
      1. Fakkeenya Muraasa kadhata araaraa
         a. Fakeenya muraasa kadhata araaaa
         b. Kadhata Muuseen Israa'eeliif kadhate
            (1) Ba'uu 5:22-23
            (2) Ba'uu 32:31
            (3) Deebii 5:5
            (4) Deebii 9:18,25
         c. Kadhata Saamu'eel Israa'eliif
            (1) 1Sam 7:5-6, 8-9
            (2) 1Sam 12:16-23
            (3) 1Sam 15:11
         d. Daawit ijoolleesaaf kadhate, 2Sam 12:16-18
      2. Waaqayyo araarsituu ni ilaala, Isaayaas 59:16
      3. Cubbuun beekkamaa hin amanamne ykn amalli qalbii diddirama jala hin galle kadhata ni miidha.
         a. Far 66:18
         b. Fak 28:9
         c. Isa 59:1-2; 64:7
   B. Kakuu Moofaa
      1. Hojii araaraa Ilmaafi Hafuura Quqlulluu
         a. Yesuus
            (1) Rom 8:34
            (2) Ibr 7:25
            (3) 1Yoh 2:1
         b. Hafuura Qulqulluu Rom 8:26-27
      2. Hojii araaraa Phaawuloos
         a. Kadhata Yihudootaaf
            (1) Rom 9:1
            (2) Rom 10:1
         b. Kadhata Waldaaleef
            (1) Rom 1:9
            (2) Efs 1:16
            (3) Filp 1:3-4:9
            (4) Qol 1:3,9
            (5) 1Tasa 1:2-3

(6) 2Tasa 1:11
(7) 2Xim 1:3
(8) Film lak 4

c. Waldoonni akka isaa kadhatan Phaawuloos gaafachu
(1) Rom 15:30
(2) 2Qor 1:11
(3) Efs 6:19
(4) Qol 4:3
(5) 1Tas 5:25
(6) 2Tas 3:1

3. Hojii araarsa Waldaa

a. Waliif kadhachuu
(1) Efs 6:18
(2) 1Xim 2:1
(3) Yaq 5:16

b. Kadhata garee addaaf gaafaame
(1) Diina keenyaaf Mat 5:44
(2) Hojjettoota kiristaanaa Ibro 13:18
(3) Hoggantoota 1Xim 2:2
(4) Dhibamtoota, Yaq 5:13-16
(5) Mucucaattotaa 1 Yoh 5:16

c. Nama hundaaf kadhachuu 1Xim 2:1

III. Haala kadhata deebii argaaniif

A. Walitti dhufeenya Kiristoosiifi hafuura qulqulluuf qabnu
1. Isatti qabamu, Yoh 15:7
2. Maqaa isaatti Yoh 14:13, 14; 15:16; 16:23-24
3. Hafuura qulqulluun, Efs 6:18; Yih 20
4. Akka fedha Waaqayyo, Matt 6:10; 1Yoh 3:22; 5:14-15

B. Kakaumsa
1. Hin daddaaqamnee, Matt 21:22, Yaq 1:6-7
2. Gad jedhuufi qalbi diddirachuu, Luq 18-9-14
3. Dogoggoraaf kadhachuu, Yaq 4:3
4. Ofittummaa, Yaq 4:2-3

C. Kallatti Biroo
1. Dhamaasuu
   a. Luq 18:1-8
   b. Qol 4:2
   c. Yaq 5:16
2. Gaaffiin turuuf
   a. Matt 7:7-8
   b. Luq 11:5-13
   c. Yaq 1:5
3. Waliigaltee dhabuu manati 1
   a. 1Phex 3:7
4. Cubbuu beekamarra walaboomu
   a. Far 66:18
   b. Fak 28:9
   c. Isa 59:1-2
   d. Isa 64:7

IV. Xumrura xinamantii

A. Maal caalummaan? Maal carraan? Maal dirqamniifi ittigaafatamni?
B. Yesuus fakkeenya keenya. Hafuurri qajeelcha keenya. Abbaan dammainaan ni eega.
C. Si maatii kee, hiriyyoota keefi addunyaa kee jijjiira.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"Kiristoosiin gargar kutamee abaaameeyu** |
| **KJHH** | **"Kiristoos irraa abaaramulee"** |
| **KQSHH** | **"abaaramee Kiristoosirra citullee"** |
| **TIV** | **"abaarsa Waaqayyo jalatti kufullee, Kiristoosirra citee"** |
| **KQJ** | **"Kiristoosirraa cite abaaamulee"** |

Hiddi jecha "quqlulu" jedhuu yoo qo'atamu faayidaa Waaqayyoof adda bahuu jechudha. Yaadni kun jecha "abaarsa" jedhuufis walfakkaata. Waan ta'e ykn waan tokko Waaqayyo iraa adda bahuu jechudha. Muuxannoo gaariidha (Lew 27:28; Luq 21:5) ykn muuxannoo yaraa (Iya 6-7; Rom 9:3) yaadarrati hirkaee.

**MATADUREE ADDAA : ABAARSA (ANATHEMA)**

Afaan ibrootaa keessatti jechi "abaarsaa" hedduu ira. Herem waan Waaqaaf kennameef tajaajila (LXX akka anthema Lew 27:28) keessati balleessuuf (Deb 7:26; Iyya 6:17-18; 17:12). Jecha yaada "lala Qulqulluu" kana'aaniifi Iyyaariqoo barbadessuuf jedhe Waaqayyo carraa duraatti "firii jalqabaa" Kakuu Haaraa keessati anathema fi wanni fireman Birooon miira addaadhaan tajaajilaa jiru.

1. Akka kennaa ykn aarsaa Waaqayyoo (Luq 21:5)
2. Akka kakuu du'aa (HoE 23:14)
3. Aaaruufi kakuuf (Mar 14:71)
4. Formulaa abaarsa Yesuusitti hidhate (1Qor 12:3)
5. Waan tokko ykn waan ta'e dabarsanii firdiif ykn balleessi Waaqayyoof kennuu (Rom 9:3; 1Qor 16:22; Gal 1:8-9)

**9:4-5** Guutoon maqaa kunneen caalummaa Israa'el agarsiisu. Caalmaa kanaan olaantummaan isaanii caalaatti gaafatamtoota Isa baayyeen itti kenname irraa baayyeetu eeggama (Luq 12:48)

**9:4 "Israa'elooa"** sanyi Abraahamii maqaa kakuu Kakuu Moofaati. Maqaan Yaaqob erga Waaqayyoon mormii jabaa godheen booda Israa'eel moggaafame (Uma 32:28). Saa yihudiif maqaa waliigalaa a'e Hiddi qoranno jechichaa" feetu El (Waaqayyo) kuataa "garagaalchaan gowomsa Yaaqob miti.

▣ **"ilmummaan isaaniif kenname"** Kakuu Moofaa keessatti dachaan "ilmaan Jechuun ergamtootaaf ture. (Yob 1:6; 2:1; 38:7; Dan 3:25; Far 29:1; 89:6-7) wayita qeenxeen

1. Mootii Israa'el (2Sam 7:14)
2. Sabicha (Ba'u 4:22, 23; Deb 14:1; Hos 11:1)
3. Masiihicha (Far 2:7)
4. Namoota ni agasiisa (Deb 32:5; Far 73:15, Hiz 2:1; Hos 1:10 Uma 6:2 walxaxaadha. Ykn gama kaan) Kakuu Haaraa keessatti nama maatii Waaqayyootti yaamamu ilaallata.

Tutuqni dubii fayinaa kan Phaawuloos "guddifachuu" yoo ta'u, kan Pheexroosiifi Yohaannis" lamuu dhalachuu"dha. Lameenuu aliif dhiyoodha. Dubii yihudootaa odoo hin taanee kan Roomaanotaati. Guddifanni deemsa seeraa dheeraa yeroofi maallaqa gaafatudha, warra Roomaa biratti. Namni akkaa guddifaa guuttate nama haarawaafi hinajjeeffamne ykn in ganamneti ilaalama.

▣ **"ulfinicha"** Hiddi Ibrootaasaa "ba'aa ulfina qabu" isa gatii qabeessa ta'e agarsiisuufi. Asitti kan agarsiisu. (1) Waaqayyo tullu sinaayiti of mul'isuu (Ba'u 19:18-19): ykn (2) Shekinah duumessa Israa'eloota bara diggalummaa ulfinaan isaan qajeelche (Ba'u 40:34-38) YHWH addati Israa'elooaati of mul'ise. Jireenyi YHWH akka ulfinasaati nutty agarsiifame (1Mot 8:10-11; Hiz 1:28) mataduree addaa 3:3 ilaalaa.

▣ **"kakuu kakaame"** Barruu Giriikotaa duriin $p^{46}$ B, fi D keessatti "kakuu" qeenxee fayyadama. Haata'uti, dachaan MSS, C fi laatiini moofaa, vulgae, fi hiikkaa koptic keessattidha. YBS[4] dachaan "B" jala kaa'a. Haa ta'uti, dachaan Kakuu Moofaa keessatti hin fayyadne. Kakuu Moofaa keessatti kakuun adda bahan turan: Addaam, Nooh, Abraaham Muuseefi Daawit. Ergi seerri kannuun ta'ee booda, kun kakuu Abrahaam isa Phaawuloosi akka bu'uuraatti ilaale (4:1-25 Gal 3:16-17) fi yeroo heddu irra deddeebi'ame (Uma 12, 15, 17)fi jaarsa kabajamoo agarsiisa.

**MATADUREE ADDAA : KAKUU (WAADAA)**

Jechi Kakuu Moofaa berith, kakuu, jedhu ibsuuf salphaa miti. Ibroota keessa jechi gitaan hin jiru. Yaaliin hikka hidda jechaa qorachuun kennuuf yaalame amansiisaa hin turre. Haa ta'uuti giddugalummaan yaadichaa hayyoonni itti fayyadama jechichaa akka qorataniifi hiikkaasaas akka murteessan isaan dirqe.

Kakuun karaa Waaqayyo tokkichi ittiin uumama nama harkasaa wajjiin hojjetudha. Mul'ata Kitaaba Qulqulluu hubachuuf jechoonni akka kakuu, milii ykn waliigaltee jedhan qalbeeffachuun barbaachisoodha. Muddamni birmadummaa Waaqayyoofi fedha tola namootaa gidduu jiru yaada kakuu kana keessatti mul'ata. Kakuun muaasni amala, gochaafi akeeka Waaqayyoo irrati hundaa'u.

1. Uumaa matumasaa (Uma 1-2)
2. Yaamicha Abrahaam (Uma 12)
3. Kakuu Abrahaam wajjinii (Uma 15)
4. Adiifi eegumsa Noh (Uma 6-9)

Haa tauti, kakuun uumamuumaan debii eeggata

1. Akka amantiitti Addaam Waaqayyo abboomame muka saniirraa Eden keessatti nyaatu hin qabu ture (Uma 2)
2. Akka amantiitti Abrahaam maatiisaa dhiise Waaqayyoo duukaa bu'ee, dhaloota isaaf amanu qaba ture (Uma 12, 15)
3. Akka amantiitti Nohon doonii guddo galaanarra fageessee bineelda walitti qabuutu ture (Uma 6-9)
4. Akka amantiiti Muuseen Israa'eeloota Misir irraa baasee. Seeroota amantiifi hawaasummaa abdii eebbaafi abaarsa fudhatee ture (Deb 27-28)

Muddamni walfakkaataa walitti dhufeenya Waaqayyoofi nama "kakuu haarawaa" keessas ture. Muddamicha Hizq 18 fi Hizq 38:27-37 walbira qabun ifatti ni mul'ata. Bu'uurri kakuusaanii hojii Waaqayyo jabaa moo debii namootaa aangoo qabeessaa? Kun dubbii jebduu kakuu Moofaafi haarawaati. Galmi lameen tokkuma (1) walooma Uma 3 keessati bade deebisuu fi (2) saba amala Waaqayyoo qajeelummaa calaqqisu hundessuu.

Kakuun haarawa Erm 31:31-34 muddama kanaaf gochi nama akka ittin fudhatamaatti deebisuun salphisera. Seerri Waaqayyos gocha alaan mul'aturraa gara fedha keessatti jijjiirame. Galmii namoota Waaqayyoo, saba qajeelaa achumarra ture, toftaan garuuu jijjiirame. Sanyiin namootaa fakkeenya Waaqayyoo ta'uusaanii agarsiisuu hanqatan (Rom 3:9-18) Rakkinni kaku san hin turre, dadhabinaafi cubbamu namooaa ture (Rom 7, Gal 3)

Muddamni walfakkaataa Kakuu Moofaa haalaafi al-haalaa gidduu ture Kakuu Haaraattis mul'ae. Fayyinni hojii Iyyasuus Kiristoos dhume irratti ta'eet qalbii diddirranaafi amantii gaafata (ka'umsaafi dhumaatti. Lameen seaafi yaamicha Kiristoosin fakkaachuuf amantoonni gocha isaanii ol hin taanee, abbomamuni (Efs 2:8-10) Jireenyi Waaqayyoo ragaa fayyinaati malee karaa fayyinaa miti.

▣ **"seera kennuuniifi Waaqessuun"** kun kan agasiisu (1) tulluu sinayi irratti Muuseen seera fudhachuu (Ba'u 19-20) fi Daawit Waaqessuu babal'isuu isaa ykn (2) feetu yeroo joora diggalummaa keessaa (Ba'u 25-40 fi lak)

▣ **"adiin kenname"** karoora isaa fulduraa Waaqayyo (1:2, HoE 13:32; Tit 1:2, Ibr 1:1) karaa Kakuu Moofaa mul'iseera.

"kakuun" waan dursee ibsameefu "abdiin" gara Masiihichaa argiisiisu hin oolu (lak 5, fkn; Uma 3:15; 49:10; Deb 18:15, 18-19, 25 am 7 Far 16:10, 118:22; Isa 7:14; 9:6; 11:1-5; An7:13, 27, Mik 5:2-5a, Zak 2:6-13 6:12-13; 9:9; 11:12)

Abdiin kuneen (kakuun) haalattiifi al-haalatidha. Hanga gocha Waaqayyootti al-haalattidha (Uma 15:12-21) garuuu moo hanga amantiifi abbomamuu namootaatti haalattidha (Uma 15:6 fi Rom 4) dhufaatii Kiristoos dura Israa'el qofatu mul'ata dhunfa qaba

9:5 "Abbicha" kun Abrahaam, Yisaaqiifi Yaaqob akkasumas jaarsolii Uma 12-50 iaallata. (Rom 11:28; Deb 7:8; 10:15)

▣ **"akka firooma fooniitis Kiristoos qomoo isaaniiti"** kun hidhaa sanyii masiihichaa (1:3), isa dibame, tajaajilaa filatamaa Waaqayyoofi abdiifi karoora Waaqayyo xumuredha (10:6)

Jechi "Kiristoos" jedhu hiikka jecha "isa dibame" jedhu Ibrootara gaa Giriikitti deebi'edha. Bara Kakuu Moofaa garee hoggantoonni sadii dibamaniiru dhadhaaa ejersaan (1) mooti Israa'el, (2) luboota Israa'el gurguddoo fi (3) raajoota Israa'el turani. Mallattoo filannoo Waaqayyoofi hojii isaaf isaaniin hidhachiisudha.

Yesuus garee sadeen dibamaa kana guutate (Ibr 1:2-3). Inni mul'ata Waaqayyoo guutuu ture. Waaqayyootu isa kaasees (Isa 7:14; 9:6; Mik 5:2-5a, Qol 1:13-20)

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"Kiristoos akka fooniitti, hunda gararraa kan jiru Waaqayyo bara baraan haa galateeffamu"** |
| **KJHH** | **"Kiristoos dhufe, inni hundaa ol Waaqayyo bara baraan haa eebbiffamu"** |
| **KQSHH** | **"Masihichi dhufe,hundaa olitti Waaqayyo bara baraaf haa eebiamu** |
| **TIV** | **"Akka namaatti Yesuus, qomoosaanii, Waaqayo, inni hunda bulchu, bara baraaf haa jajamu"** |
| **KQJ** | **"Inni hundaa olii Kiristoos dhufe, Waaqayyo bara baraaf haa eebbifamu.** |

Seerugatti Abbaati doxology dha. (TIV) garuuu yaadichi Phaawuloosiin deeggera, ayyaana Yesuus irratti. Phaawuloos jecha "Theos" jedhu Yesuus qofaaf hin fayydamne, darbees (HoE 20:28, Tit 2:13; Filp 2:6). Abbootiin waldaa ganama yaada kana Yesuusitti hiikkachaa turan.

▣ **"inni hundaa gara irraa"** kun gaalee ibsituu Waaqayyo, Abba ykn Yesuus, Ilmaati. Dubbii Yesuus Matt 28:19 fi Phaawuloos Qol 1:15-20 lee ni agarsiisa. Guutoon wiirtuu kun ganiinsa Israa'eeloota, Yesuus isa Naazreetiif hangam fagoo akka ta'e agarsiisa.

▣ **"bara baraaf"** kun akka dubbii Girikootaa keessatti "hanga baraa" gaalee jedhu agarsiisa (LUq 1:33; Rom 1:25; 11:36; Gal 1:5; 1Xim 1:17). Kun gaaleewwan heddu firooman (1) "hanga baraa" (Matt 21:19 {Marq 11:14} Luq 1:55; Yoh 6:5, 58; 8:35; 12:34; 13:8; 14:16; 2Qor 9:9) ykn (2) "bara baraaf" (Efs 3:21) Akka dubbii "bara baraaf" jedhu garaagaruummaa waan qabu hin fakkaatu. Jechi "baroota" jedhu dachaadha akka seerluga barsiisotaatti ykn yaada hedduu agarsiisa. "Baroota" akka miira yihudiitti "bara tolaa", "bara " "bara dhufu' ykn "bara qajeelummaa" agarsiisa.

▣ **"Ameen"** mataduree addaa 1:25 ilaalaa

**KQSAH (FOOYYA'E) BARRUU : 9:6-13**

**6Kun garuuu dubbiin Waaqayyoo fiixaan ba'.Ilu dadhabe jechuu miti; sanyii Israa'el kan ta'e hundinuu Israa'el dhugaa miti; 7sanyii Abrahaam kan ta'e hundinuus ijool1ee Abrahaam miti; garuuu, "Yisihaqiin sanyiin siif ni lakkaa'ama" jedhameera. 8Kunis, firooma foonii isa ittiin dhalataniin ijooIlee Waaqayyoo ta'u miti, warra abdii Waaqayyootiin dhalatetu sanyii dhugaatti lakkaa'ama malee jechuu dha. 9Abdichi, "Yeroo akkasiitti deebi'ee nan dhufa, Saaraanis ilma godhattee na eegdi" kan jedhu ture. 10Kana duwwaas miti, Ribqaan ilmaan lakkuu nama tokkoof, innis abaabilii keenya Yisihaqiif ni ulfoofte. 11jooIleen sun utuu hin dhalatin, isaan keessaas tokko il1ee gaarii yookiis hamaa utuu hin godhin, akeeki fo'annaa Waaqayyoo dhaabataa akka ta'uuf, 12akka waamicha isaatiitti malee, akka gochaa namaatti akka hin taane beeksisuudhaaf, "Inni angafni isa quxisuudhaaf ni hojjeta" jedhamee haadha isaaniitti himamee ture. 13Akkuma caafame, "Ani Yaaqoobin nan jaal1adhe, Esaawuu garuuu nan jibbe" jedhe.**

**9:6 "dubbiin Waaqayyoo"** yaada kana keessatti Guutoon kun abdii kakuu bara Kakuu Moofaa agarsiisa. Abdiin Waaqayyoo dhugaadha. (lak 23:19, Isa 40:8; 55:11; 59:21)

▣

**KQSAH, KQSHH**
**TIV, KQJ "fiixa bahu dadhabe"**
**KJHH "homaa hin goone"**

Jechi kun (ekpipto) Septuagint keessatti yeroo hedduu waan ta'eef (Isa 6:13)ykn abaa tokkoof (Isa 14:12) yoo kufu agarsiisa. Asitti isa xumura qabu kan agarsiisudha (garuuu bitaa miti). Mirkanfachuuf sagalee gararraa ilaalaa.

▣

**KQSAH** **"sanyii Israa'el kan ta'e hundi Israa'el dhugaa miti"**
**KJHH** **"sanyii Israa'el kan jedhame hundi Israa'el miti"**
**KQSHH** **"Hundi Israa'elootaa waan Isaa'el hin taaneef"**
**TIV** **"Hundi Israa'elaa saa Waaqayyoo waan hin ta'iiniif**
**KQJ** **"Kan Israa'el irraa dhalatan hundi Israa'el miti"**

Dubbiin bitaa kun hiikkaan ini qabu hiikka Kq gara garaa jecha "Israa'el" jedhu irratti qaburra marsa. (1) Israa'el, hidda Yaaqob (Uma 32:22-32), (2) Israa'el, saba Waaqayo filate (TIV) ykn (3) Israa'el afuuraa, jechuun waldaa (Gal 6:16: 1Phex 2:8,9, Mul 1:6), gama Israa'el dhaloota (lak 3-6) ijoollee Abrahaam keessaa muraasatu ijoolle abdiiti. (lak 7) Hiddasaani yihudoonni Waaqayyootti qajeelo hin taane (lak 7) garuuu amantiin (2:28-29, 4:1; Yoh 8:31-59; Gal 3:7-9; 4:24) Warri Waaqayyoon fudhataniifi wajjiin amantiin tarkaanfachu danda'an (9:27, 11:5) harcaateedha.

Lakkoofsi 6 mormii jabaan jalqaba (9:14, 19, 30; 11:1) kun itti fufinsa tutuqa dubbii Phaawuloos. Dhugaa karaa nama maormii kaasuun qabee ibsa. (Mal 1:2, 6, 7 si'a lama), 12, 13; 2:17, 17 (si'a lama) 3:7, 13, 14)

**9:7** cinaachi lammataa lakkoofsa kanaa Uma 21:12 irraa waraabame. Ijoolleen Abrahaam hundinuu ijoollee abdii kakuu Waaqayyoo miti. (Uma 12:1-3, 15:1-11; 17:1-21; 18:1-15; Gal 4:23) kun garagaarte. Ismaa'eliifi Yisaaq lak 8-9 keessattiifi Yaaqobiifi Esaaw lak 10-11 keessattidha.

**9:8** Asitti Phaawuloos jecha "foon" jedhu kan fayyadame hidda biyya agariisuufi. "1:3 ; 4:1; 9:3;5) Innis ijoollee uumaa Abrahaamii (warra yihudootaa isa 9:3) fi ijoollee afuuraa Abrahaam (ijoollee abdii) agarsiisuufidha. (warra Masii abdii Waaqayyoo amantiin eegan). Kun akka fuggina 8:4-11, sanyii kufee fi sanyii dhiifama argatee gidduu jiru miti.

**9:9** kun waraabbii Uma 18:10, 14ti. Ilmi abdiidhaa ("sanyiin") kaka'umsa Waaqayyoon Saaraa irraa ni dhufa. Kun dhalachuu Masiihichaan xumurame. Yisaaq ittin guuta abdii Waaqayyo Abrahaamiif kenne Uma 12:1-3, wagaa kudha sanii duraa ture.

**9:10** Nadhoon Abrahaam, Yisaaqiifi Yaaqob, hin dhalanne, hin ulfoofne. Dhaluu dadhabuun isaanii karaa Waaqayyo ittin abdii kakuu to'achuun, hidda Masiiha agarsiisu barbaadedha.

Karaa Biroo hiddi Masiiha, agarsiisu, barbaadedha (akka aadaatti ni eeggama) gochu hin barbaadne. Furtuun dubbidha filannoo Waaqayyooti (lak 11-12)

**9:11-12** Lakkoofsi 11-12 akka Giriikitti tokkodha. Kun Uma 25:19-34 irraa fudhame. Fakn kunis filannoo Waaqayyoo (lak 16) agarsiisuuf malee, (1) hidda dhalootaa namaa ykn (1) araaraa ykn argata namootaa (lak 16) agarsiisuuf miti. Kun laphe wangeelichaati, kakuu haarawaa (Erm 31:31-34: Hizq 36:22-36) haata'uti, filannoo Waaqayyoo jechuun calaluu jechuu odoo hin aanee walitti makuu dha. Masihichi sanyii filatame irraa ni dhufa, garuuu hundaaf dhufa (warra amantiin isa eegan (2:28-29; 4:3, 22-25; boqonnaa 10)
9:11 "akeeka" Jecha tishoo pro fi tithemi irraa tolfame hiikkaa hedduus ni qaba.

1. Rom 3:25 keessatti
    a. baasee agarsiise
    b. kenna gammachiisaa
2. dursanii karoorsuu
    a. Paawuloosirra, Rom 1:13
    b. Waaqayyo irraa, Efs 1:9

Sanyiin maqaa (prothesis) yaada kana keessa "dursani ka'u" jechudha.

1. buddeena ilaalchaa mana Waaqayyo Matt 12:4, Mar 2:26, Luq 6:4
2. durmurtaa'oof, akeeka Waaqayyo qulqulleessu, Rom 8:28; 9:11, Efs 1:5, 11; 3:10; Xim 1; 3:10

Phaawuloos jechoota tishoo durgala pro (dura) jedhu boqonnaa 8 fi 9 Roomaa keessattiifi Efesoon 1 keessatti fayyadameera.

1. Proginosko (duraan beeku) Rom 8:29
2. Proorizo (dur wiixinee), Rom 8:29 (Efs 1:5, 11), 30 Efs 1:9

3. Prothesis (akeeka durmurtaa'o) Rom 9:23
4. Proetoimazo (dur jedhamo) Rom 9:29
5. Prolego (dur jedhamo) Rom 9:29
6. Proelpizo (duraabdii) Efs 1:25

**9:12** Kun waraabbii Uma 25:23 Esaawuufi Yaaqobti fioomudha. Kunis Ribqaafi Yaaqob raajiidha ala godhan, garuuu faayidaa dhuunfaaf miti, Yisaaqin gara eebbaati fiduufidha.

9:13 "Garuuu Esaaw nan jibbe" kun Mal 1:2-3 irraa waraabame. "jibbe" jecha Ibrootaa walcina qabanii ilaaluudha. Ingiliffaatti yoo deebi'u hin jabaata, Uma 29:31-33, Deb 21:25; Matt 10:37-38, Luq 14:26 fi Yoh 12:25 jechonni "jaalalaa" fi "jibba" kun miira Waaqayyo namoota dhuunfaaf qabu odoo hin taanee hidda masiihichaafi abdi kenneef dhimmamuu agarsiisuufi. Yaaqob raajiirra dhaabbate Uma 25:23, ilma abdichaa dhalatedha. Esaaw, Mal 1:2-3 keessatti, saba Edom (sanyii Esaw) waamama.

**9:14-18**

**[14]Egaa karaa Waaqayyoo loogatu jira jenna moo ree? Matumaa kun ta'uu hin danda'u. [15]Inni Museedhaan, "Namuma ani araara gochuufii barbaaduuf araara nan godhaaf, namuma ani garaa 1aafuufii barbaaduufis garaa nan 1aafaaf" jedha. [16]Kanaafis kun akka araara Waaqayyootti ma1ee, akka jaa1a1a yookiis dhama'a namaatti miti. [17]Caaffanni qu1qul 1aa'aan Fara'ooniin, "Ani maqaan koo 1afa hundumaa irratti akka 1absamutti, humna koo si irratti argisiisuudhaafan ol si kaase" jedha. [18]Egaa inni nama barbaaduuf araara ni godha, nama barbaadus mata-jabeessa ni godha.**

**9:14 "Egaawoo, maal jennare"** Phaawuloos tutuqa dubbii kanaa (3:5; 4:1; 6:1; 7:7; 8:31; 9:14, 19,30) "Egaa karaa Waaqayyoo loogatu jira jenna mooree? " Eegaa birmaduun Waaqayyoo waan murteessaa ta'e (lak 19) akkamitti Waaqayyo itti gaafatamaa namootaa baataafire? Kun iccitii filannooti. Yaada kana keessatti wanti xiyyeeffannoo Waaqayyo sanyi nbamaa wajjin hojjechuuf walaba ta'uusaati. (sanyi gantuu wajjin) Haata'uti, birmaduun Waaqayyo araaraan mul'ata (yaadanno lak 15 ilaalaa) male humnaan miti.

Birmadoon Waaqayyo gochaafi filannoo eegeree namootaa dursee beekkamu irratti akkani bu'uroofne hubatamu qaba. Yoo kun dhugaa ta'e gochiifi filannoon dhuunfaafi araarri bu'ura filannoo Waaqayyoo (lak 16; 1Phex 1:2)ti. Kun ilaalcha Yihudootaa isa gara qajeelummaati. (Deb 27-28; Iyo fi Far 73) Garuuu Waaqayyo warra hintaaneyyu karaa amantii eebbisuuf filateen gochaan miti 5:8) Waaqayyo wanna hunda beeka garuuu filannoo isaa daangeessuf filate (1) araaraan fi (2) abdiidhaan. Kun deebii namootaa barbaachisaadha,k garuuu filannoo Waaqayyoo jireenya jijjiiru wajjin bu'ee mirkansuu qaba.

▣ **"matumaa kun ta'uu hin danda'u"** Phaawuloos muggutiin dalgaa kana xiyyeeffannoo kennuuf irra deddeebi'ee fayyadama. (3:4, 6, 21; 6;2, 15; 7:7:13; 11:1, 11; 1Qor 6:15; Gal 2:7; 3:21; 6:14)

**9:15** kun Ba'u 33:19 irraa waraabame Waaqayyo akka akeeka quqlulleessuu cubbuuti hojjechuuf tolaadha. Muuseenu jalqaba eebba Waaqayyo hin qabane (Ba'u 33:20). Lubbu balleessee ture (Ba'u 2:11-15) Furtuun filannoonisaa araaraa qabeessa turan (lak 16, 18-23; 11:30, 31, 32)

**9:15-16** "Araara" jecha Giriikii (eleos, lak 15, 16, 18, 23; 11:30, 32, 32) Septuagint (LXX) keessatti hiikkaa hesed ta'e fayyada (Barreessitoonni Kakuu Haaraa yaada Ibrootaan, afaan Giriikiin barreessuu dagatamu hin qabu) jechunis (dhaabbi jabaa, garlaafessa) filannoofi araarri Waaqayyo dachaadha, gareedha. (Yihudaa [Yisaa1q], Araba miti (Ismaa'el); Israa'el [Yaaqob], Edoom miti [Esaaw] garuuu yihudootaafi Ormoota amanani lak 24) akkasumas dhuunfaadha Dhuga kunis furtuu iccitii doktiriina durmurtaa'oo keessaa tokko. )dhiifama cubbuu duuniyaa) Furtuun Biroo yaada boqonnaa 9-11 amala Waaqayyoo hin jijjiiramne-araarasaati (9:15, 16, 18, 23; 11:30, 31, 32) male gochaa namootaa miti. Araarri karaa filanno warra Kiristoositti amanan hunda nig aha. Hulaa amantii kan namatti banu tokkodha (5:18-19)

**9:17-18** lakkoofsi 17 waraabii jabaa Ba'u 9:16 fi lak 18 moo goolaba waraabbichaati. Fara'oon lapheen isaa akka jabaatu Ba'u 8:15, 32: 9:34, ta'e. Waaqayyo isa jabeesse 4:21; 7:3, 9:12, 10:20, 27; 11:10.

Fakkeenyi kun birmaduu Waaqayyoo argisiisuuf (lak 18) Fara'oon filannoosaaf ittigaafatamadha. Gara jabina Fara'on Waaqayyo itti fayyadame jedha Israa'eloota qabu xumure (lak 18).

Akeekni gochaa Waaqayoo Fara'oon wajjiin ture. Cubbuu quqlulleessufi dabalatas qaba ture. Kan yaadame

1. humna Waaqayyo agarsiisu (Uumama Misir fi Waaqoli bineelda akka Uma 1 ayyana Baabiyloonootaa)
2. Waaqayyoon Gibxitti mul'isuu, gargalchi biyya lafaatti (lak 17)

Ilaalchi warra dhihaa (Ameerikaa) dhuunfaa guddisa, garuuu warri bahaa gartuma guddisa. Waaqayyo addunyaatti of mul'isuuf Fara'oonitti qabate. Waanuma walfakkaataa Israa'elota hin amane wajjinis godhe (boqonnaa 11) yaada kanaan mirgi dhuunfaa fedha hundaa keessatti gad qabama.

Fakkeenya Kakuu Moofaa gamtooma irratti yaadadha.

1. Ijoolleen Iyyoob duraa ni du'an sababa Waaqayyoofi seeyxaanni marii godhaniin (Iyo 1-2)
2. Loltoonni Israa'el ni dhuman, sababa cubbu Akkaan (Iya 7)
3. Ilmi Daawit hangafti Betsebati du'e, sababa inni cubbu godhe (2Sam 12:15) Nuyi sababa filannoo Oromaa midhamne jirra Gartumaan Kakuu Haaraa keessattis mul'ateera Rom 5:12-21.

**9:19-26**

[19]**Kana irratti ati, "Yoos immoo Waaqayyo attamitti balleessaa nama irraa argata ree? Jaa1a1a isaatiinis eenyutu mormuu danda'a ree?" anaan ni jetta.** [20]**Garuuu nama nana! Kana Waaqayyotti deebisuudhaaf, ati eenyu? Wanti harka namaatiin hojjetame tokko isa hojjeteen, "Maaliif akkasittina hojjette?" ni jedhaanii?** [21]**Namni suphee dha'u tokko,suphee kutaa tokko irraa, qodaa mana taa'uuf qodaa 1agootti itti hojjetamu dha'uudhaaf aboo qaba mitii ree?** [22]**Waaqayyo inni dheekkamsa isaa argisiisuu, humna isaas beeksisuu barbaade, warra akka qodaa dheekkamsaa ta'anii badiisaaf qophaa'an kanaaf, baay'ee obsuu danda'eera yoo ta'e immoo maa1 ta'inna 1aata ree?23 Akkasumas badhaadhummaau1fina isaa, namoota akka qodaa araaraa ta'an warra inni duraan dursee u1finaaf qopheesse irratti, mu1'isuudhaaf godheera yoo ta'eo?** [24]**Warri qodaatti fakkeeffamnes nuyi;inni warra Yihudoota duwwaa waame utuu hin ta'in, Yihudoota warra hin ta' ni keessaas waameera.** [25]**Inni macaafa Hose'aa keessatti,"Warra kan koo hin ta' in,saba koo jedhee, nan waama;biyya hin jaallataminis, 'Jaallatamtuu koo' jedhee nan waama;** [26]**iddoodhuma, 'Isin saba koo miti' jedhamee itti himametti,'Ilmaan Waaqayyoo jiraataa' jedhamanii in waamamu" jedha.**

**9:19 "jaalala isaatiin eenyu mormu danda'aree"** kun(perfect active indicative) dha haqa qubatee itti fufinsaan bu'aa argamsiisaa jira (2Sena 20:6, Iyo 9:12; Far 135:6; Dan 4:35) Muggutiin itti fufeera. Phaawuloos hubachuuf muggutichi isaa gaariidha. Seensa boqonnaa B. 1 ilaalaa. Fedhiin Waaqayyoo sadarkaa lamatti iaalama. Inni duraa karoora cubbu qulqulleessuu dhala namaa hundaaf (Uma 3:15) karoorri kun fedhii namootaan hin cabu. Sadarkaa lammataa Waaqayyo meeshummaa namootaatti fayyadamu filachuu isaati. (Ba'u 3:7-0 fi 10) Namoonni karoora isaa fiixaan baasuuf filatamu (Muusee gaarummaafi Fara'oon moo badinsaaf)

**9:20-21** kun Isa 29:16; 45:9-13; 64: 8 fi Erm 18:1-12 keessaa waraabame. Dubbiin dalgaa YHWH akka suphee dhooftuu Waaqayyo uumaa ta'u agarsiisuuf, wayita namoota suphee gochu barbaadetti (Uma 2:7) Phaawuloos gaaffilee sadi ta'an gaafachuun birmadummaa Waaqoo deebise-lameen duraa lak 20 fi sadaffaa lak 21 keessatti. Gaaffin dhumaa gara fakkenya Waaqayyo filannoo gaarummaaf-Muusee, badinsa Fara'oon godheenti deebi'e. Fugginni walfakkaataan (1) Yisaaq-Israa'el, lak 8-9 (2) Yaaqoob-Esaaw lak 10-12, fi (3) SABA Israa'eliifi saba Edoom lak 13 gidduutti mul'atal. Fakkeenya walfakkaataan kun haala Phaawuloos amma itti jiru amantootaafi hin amannee Waaqayyoo gaarummaa amantoota Ormaa (lak 24-29 fi 30-33) dabalaman hanga dhuma hin qabnetti mul'ata.

**9:22 "yoo" Hima haalaa kutaa dursaa** dha kallatti barreessichaqan dhugaadha jedhame tilmaamama, gara xumura seerluga hin qabu. Lakkofsi 22-24 akka Giriikitti hima tokko. Lakkofsi 22 amala Waaqayyoo cubbu dhiquu agarsiisa. Waaqayyo Waaqa qajeeladha Namoota hojii saaniif ni gaafatan. Garuuu moo Waaqa araarati. Namoonni hundi ni du'u. (1:18-3:21) Qajeelli oduu gammachisa miti. Amalli Waaqayyo dursa araara malee dhekkamsa miti. (Deb 5:9-10, 7:9, Hos 11:8-9) filannoon Isaa cubbu qulleesuuf (Hizq 36:22-33) cubbamtootaaf obsa ni qaba (Hizq 18) Akeeka Isaa Witch of Endor, Assyria, Nabuuke danatsiyor, Qirus fi boyonnaa 11 keessatti Israa'eloota hin amanne)

▣

**KQSAH "inni dheekkamsa isaa agarsiisu"**
**KJHH "dheekkamsa isaa agarsiisu barbaade"**
**KQSHH "dheekkamuuf fedha godhate"**
**TIV "aarsiisaa garsiisu barbaade"**
**KQJ "aariisaa agarsiisu qophaa'e"**

Waaqayyo dheekkamsa isaa kan agarsiise lameen humna isaa (lak 22) fi duuroma ulfina Isaa (lak 23) beeksifatuufi. Gochi Waaqayyo yoo mara akeeka qulleessu qaba. (Yeroo Gehanna, malee, addaan bahinsa xumuraa hin amanneefi cubbuu)

▣ **"qooda dheekkamsaa"** jechi kun itti fufinsa dubbii Phaawuloos waa'ee suphee lak 20 fi 21 ti. Warra hin amanne Waaqayyo dabalee karoora qulleessuuf itti fayyadamu agarsiisa.

▣

**KQSAH, KJHH "qophaa'an"**
**KQSHH "tolfaman"**
**TIV "godhaman"**
**KQJ "bocaman"**

Jechichi waan qophaa'e wayiit fayyada. Warri hin amanne guyyaa murtii qajeeluma itti argatan ni jira. Haa ta'uti, Waaqayyo warra hin amanne akeeka Isaa balloo, dabalaafi cubbuutti qulleessuu ni fayyadama. M.R. hincent, Word Studies, jil 2 keessatti "Waaqayyo balleessuf odoo hin taanee, qopheessa, bilcheesse balleessa jedha kunis henna amma, garuuu dur tolfama, akkatti ta'eef kan ibsa hin qabnedha jedha" (ful 716)

▣ **"badiisaaf"** mataduree addaa 3:3 ilaalaa.

**9:23** "Warra inni dursee ulfinaaf qopheesse" Dhugaan walfakkata Rom 8:29-30 fi Efs 1:4, 11 keessatti ni argama. Kakuu Haaraa keessa boqonnaan kun iddotti birmaduun Waaqayyo jabbeefame ibsamedha. Waaqayyo uumaafi qulleessa ta'uun wanni mormisiisaa hin jiru. Dhugaan guddaa kun hin laafatu ykn hin xiqqeeffamu. Haa ta'uti, filannoo Waaqayyo kakuudha akka mala ittin uumama namaa isa bifa isaatiin uumeetti firomsuun wal madaalu qaba. Kakuun bara Kakuu Moofaa, akka Uma 9:8-17 fi 15:12-21 jiran al-haalaa fi deebi nam hundaa wajjiin kan hin simne ta'uun dhugumadha. Garuuu akuuleen Biroo deebii namootaaf haalan turan: (S.S Eden, Noho, Muusee, Daawit) Waaqayyo karoora cubbutti qulleessu ni qaba, kana namuu diiguu hin danda'u. Waaqayyos namoonni dhuunfaa karoora kana keessati akka hirmaatan filate hayyame. Caraan hirmaannaa kun muddama xigamani birmadummaa (Rom 9) fi fedha tola namoota (Rom 10)ti.

Xiyyeeffannoo Kitaaba Qulqulluu tokko filachuun isa kaan achi qabuun hin malu. Doktirina giddu muddamatu jira. Sababnis warri bahaa dhugaa kan dhiyeessan dhugaa barbaadan ykn cimdii muddanidha. Doktiriini walitti dhufeenya qabamu qaba. Dhugaan buburree dhugaati.

Asitti iccitiin ni jira. Phaawuloos xumura dubbi warra hin amannee dheekkamsa qopha'anii (Kataptizo) (lak 22) fi amantoota (Proeto imazo) ulfina q1opha'anii (lak 23) hin keenye. Filannoon Waaqayyo ulaagaa isa qofaati moo filannoo araara irratti hundaa'edha, garuuu gariin ni qeequ? Namoonni gara fuula duraa qooda ni qabaataa? (9:30-10:21)? Gar lameeniinu dubbii irra darbaatu jira (Augisxoosi .. Pelaaguis) Anaaf yaadni kakuufi xiyyeeffannoon Waaqayyo isaan gamtoomsa. Kaka'umsa Waaqayyoof namoonni qofti deebii ni ta'a. (fkn Yoh 6:44, 65) Anaaf garuuu, ammalli Waaqayyo jijjiirama miti. Araara qabeessa malee. Namoota fakkeenya isaatiin uumaman hunda ni dhaqqaba. (Uma 1:26,27) Ani yaada kanaan qabsa'a. Yaada jabaadha; gurraachaafi adiin jira. Xiyyeefannoon isa yihudoota hin amannedha; isa Ormoota dabalatu (boqonna 11) Garuuu amala Waaqayyoo irratti barru isa qofaa miti.

▣ **"ulfina"** yaadannoo 3:23 ilaalaa

**9:24** Lakkoofsi kun kan agarsiisu mormiin Waaqayyo irra jiru saba Israa'el caalaa bal'ata. Waaqayyo filanno isaarratti hundaa'ee araara agarsiise. Abdiin Uma 3:15 irra jirus sanyi namaa hundaaf (sababnisaas hanga boqonnaa 12ti yihudonni hin turre.

Yaamamuun Abrahaam sanyi namaa ilaallata, Uma 12:3. Yaamichi Israa'el akka mootummaa lubootaatti ta'e sanyi dhokataadha, garuuu amma mul'ae (Efs 2:11-3:13; Gal 3:28, Qol 3:11). Waabdiin Phaawuloos lak 24 waraabbii Kakuu Moofaa (lak 25-29) keessatti agarsiifameera.

1. lakkoofsa 25, Hos 2:23
2. lakoofsi 26, Hos 1:10b
3. lakkoofsa 27, Isa 10:22 fi/ykn Hos 1:10a
4. lakkoofsa 28, Isa 10:23
5. lakkoofsi 29, Isa 1:9

9:25-26. Dubbisni kun Septuagint (LXX) Hos 2:2 (foyyen fudhatame) fi 1:10 irra fudhatame. Gosoota kudhan gara kaabaa jiran agarsiisa, garuuu asitti Phaawuloos Ormoota agarsiisa. Kun agarsiisuma barreessitoota Kakuu Haaraa yeroo Kakuu Moofaati fayyadamanidha. Waldaa akka ittin guuta abdii Israa'elootaati ilaalu (2Qor 6:16; Tit 2:14, 1Phex 2:5-9) Akka kanatti dubbisni Hosee'I amanti dhabumma Israa'el agarsiisa. Yoo Waaqayyo gosoota kurneen xuraa'an kaaba jiran deebisee ijaare dhaabe, kan Phaawuloos akka ragaa jaalalaai dhiifama Waaqayyootti isa gaaf tokko moo xuraa'ota Ormaa dabalachuuf jirutti agarsiisuu barbaada.

**9:27-29**

**[27]Isaayaas immoo waa'ee Israa'e1iif, "Lakkoobsi ijoollee Israa'e1 akka cirracha ga1aana qarqaraa yoo baay'ate iyyuu, isaan keessaa hambaa isaanii duwwaatu oola, [28]goofitichi dubbii isaa isa sodaachisaa gabaabsee lafa irratti ni raawwata"jedhee ni 1absa. [29]Akkuma Isaayaas duraan dursee dubbates,"Gooftaan maccaa ijoollee utuu nuufhin hambifne ta'ee, nuyi akka Sodoom taanee, Gomoraas fakkaannee turre" jedhe.**

**9:27**

**KQSAH, KJHH**

**KQSHH, NKQJ** **"akkuma"**

**TIV** **"akka"**

Kun (third class conditional sentence) dha. Isa gocha kuufamaa agarsiisu. 9:27-28: kun waraabbii laaftuu Septugint (LXX) Isaayyaas 10:22-23 irraa waraabamedha. Inni dabalataa gaalee xumuraa Septuagint Isa 10:23ti. Barru Giriikoota durii keessa hin jiru p46,?, A, fi B, isa dhummarra akka garagaalchitootaan ta'uun irra gahamedha. YBS4 hafuuraa mirkana' jedheera.

▣ **"akka cirracha galaanaa"** kutaan dubbi afaan kanaa bu'aa heddu Waaqayyo Abrahaamiif galedha. (Uma 15:5; 22:17; 26:4)

▣ **"harcaatuun fayyan"** Jechi "harcaatu" jedhu bara kakuu moofaa Israa'eloota godaansaa bahan, booda biyyatti deebi'an agarsiisa. Akka dubbi Phaawuloos sitti moo yihudoota Waaqayyoon quunamti amanti qabaniifi/ykn wangeela dhagahanii Kiristoositti amantiin deebii kennan ilaallata.

Yeroo kakuu Israa'el gargar afuuraa dhalate ture, isaan keessaas gariin Waaqayyoti tolaa turan. Filamuun Israa'el deebii amantii dhuunfaa hin mine. (Isa 1:16-20)

Phaawuloos gaalee Kakuu Moofaa yihudoot godaansaa agarsiisu isaan keessaas muraasni gara filisxeemitti deebi'an, warra wangeela dhagahe, irra caalaan isaanii hin amannee fi Kiristoosin hin fudhanne ture. Dhibbentaan xiqqoo dhagahan keessaa (yihudootaafi Ormoota) wangeelaaf deebii kennan. Phaawuloos isaaniin harcaatota jedha.

**MATADUREE ADDAA :HARCAATOOTA, MIIRA SADII**

Yaadni Kakuu Moofaa "harcaatoota manan" jedhu qabiyye refuu raajotaati. (irra gudda raajoota jaarraa saddeetiifi Ermiyaas) Miira sadiin tajaajila:

1. Warra qodaansa baraaran (fkn Isa 10:20-23, 17:4-6; 37:31-32, Erm 42:15, 19; 44:12, 14, 28; Amo 1:8)
2. isaan amantiin turan (fkn Isa, 4:1-5; 11:11, 16: 28:5, Amo 5:14-15; Mik 2:12-13; 4:6-7; 5:7-9; 7:18-20)
3. warra qaama bara dhumaafi lammatta uumamuufi haaromuu ta'an (Amo 9:11-15)

Yaada kanaan Waaqayyo muraasa qofa filate (warra amanti qaban) harcaatota keessaa (baraartoota godaansa) gara yihudaatti deebi'an. Akkuma dursinee boqonnaa kana keessatti durii Israa'el irraa dhalate (lak 6) Waaqayyo

lakkoofsa gadi xiqqeessa yoo kana humna agarsiisuu, dhiyeessiifi eegganno gochuu waan danda'uufi (fkn Geedi'oon, Ab. Firdi 6-7)

**9:29** Kun waraabbii Isaayyaas 1:9 isa LXX irraati. Innis cubbamuu saba Israa'el agarsiisa.

▣ **" Gooftaan maccaa"**
Kun maqaa YHWH isa Kakuu Moofaa keessaa, akka "Gooftaa maccaa (Yaq 5:4)dha. Yaada kanarratti hundaa'un, kun Waaqayyo miira loltummaa agarsiisa. "ajajaa waraana jannata keessaa" (Iya 5:13-15) ykn miira bulchiinsaa, keessatti yaada waqolii heedduu waaqessuu Baabiloonotaa, qaamolee samiin firoomanidha. "Gooftaa qaamooti samiidha". Urjiin uumama malee Waaqoli miti, ta'a hin bocan hin abbomani. (Uma 1:16; Far 8:3; 147:4; Isa 40:26)

Barruun Ibrootaa Isa 1:9 "harcaatoota" qaba, garuuu Septuagint "sanyii" ti hiika. (KJHH). Firdiin Waaqayyo Israa'eloota (1) amantoota harcaatee ykn (2) dhalata Muusee irrattidha. Waaqayyo muraasa filate, baayyee bira gahuufi.

▣ **"Sodoom … Gomoraa"** lakkoofsi 28 firdii Waaqayyooti firooma. Lakkoofsi kun magaalota amanti dhabeeyyi lama agarsiisa. Isaan Waaqayyoon barbadaahan Uma 19:24-26. Jecha dubbi murtii Waaqayyoos ta'e (Deb 29:34, Isa 13:19; Erm 20:16; 49:18, 50:40 Amo 4:11)

**9:30-33**
**30Egaa amma maal jennu ree? Saba Waaqayyoo warri hin ta'in, qajee1ummaa argachuudhaafis warri hin dhama'in, qajee1ummaa argataniiru, qajeelummaan isaanii immoo aman tii keessaa ni argama.**
**31Israa'e1 warri seera qajee10ta isaan godhu argachuudhaaf dhama'an garuuu, isa bira hin geenye.**
**32Maa1iif isa bira hin geenye? Isaan amantii keessaa utuu hin ta'in akka waan inni hojii keessaa argamuutti waan itti dhama'aniif isa bira hin geenye; isaan "Dhagaa gufannaa" sana irratti gufatan.**
**33Akkuma caafame, "Kunoo ani dhagaa gufannaa kattaa nama kuffisus Xiyoon keessa nan kaa'a, inni isatti amanatu immoo hin yeella'u" jedhe.**

**9:30-31** kun goolabbii akeeka filannoo Waaqayyooti. Lak 30-33 xumura boqonnaa 9 fi seensa boqonnaa 10ti. Warri amanan Ormoonni Waaqayyoof tolaa ta'an, garuuu yihudoota mara miti. Waaqayyo sanyi namaa hunda waliin bifa kakuun no hojjeta. Waaqayyo hoggayyu dursa fudhate haala mijeessa. Namuu qalbi diddirannaan, amantiin, abbomamuuniifi obsaan deebii kenna. Namoonni (1) birmaduu Waaqayyoon (2) karaa hojii Masiihi xumurameen amanuun ykn (3) amantii dhunfaa ni fayyuu? Eeyyee

"Amansiisuu" isa jedhuuf yaadanno 14:19 ilaalaa.

▣ **"qajeelummaa"** mataduree addaa 1:17 ilaalaa 9:32 "hojiin" Barruun "seeraan" jedha. Kunis dabata garagaalchootaati. Phaawuloos gaalee kana "hojii seeraa" jechuun fayyadame. (3:20, 28; Gal 2:16; 3:2, 5, 10). Haa ta'uti barruun Giriik durii p46, ??, A, B, F, fi G hambisanii jiru. YBS[4] moo "B" ittin jedheera.

Qajeelummaa Waaqayyoof furtuun gocha namootaa odoo hin ta'iin amalaafi kenna Waaqayyo karaa Kiristoosidha. Qajeelummaan waan kuftuur sanyii namaa argachuu hin dandeenye garuuu Kiristoositti amanu qofaan tola argamudha (3:21-31). Haa ta'uti, argamu waan qabudha. (lak 33, Yoh 1:12; 3:16; Rom 4:1, 10:9-13; Efs 2:8-9) kun dhugaa yihudoonni hamiltoonni amantoonni (seertoni) dhaban.

Jorji Eldon Ladd Kitaaba isaa A. Theology of New Testament jedhu keessatti qabxi gaarii kaa'eera.

"Barsiifni Paawuloos waa'ee seera kallattii muuxanno seenaa ykn Phaawuloos akka barsisaa yihuditti, ykn akka yihudii seera jala tureeti. Haa ta'uti, ilaalchi Phaawuloos akka waadaa afuuraa ofoosama ykn akka fariisoota jaarraa duraa seeressitootaati ilaalama, garuuu akka hiiktoota xin amantii warra ilaalcha kiristaanummaa karaa qajeelumma lama qabanitti, qajeelummaafi amanti (ful 495)

9:33 kun Isaayyaas 28:16 fi 8:14 irraa fudhatame

" inni isatti amane hin saalfatu "28:16b

Lakkoofsa kana akkanatti walitti makuun (toftaa barsiisummaa) hiikkaa Isa 28:16 mirgarraa bitaatti deebiseera. Phaawuloos fedha ofiif Kakuu Moofaa bijibijeera.

1. hiikka fedhe filatera (LXX, MT, kan ofisaa)

2. waabee jijjiireera (godaantoota irra Ormootatti)
3. barru wal makeera
4. Maqaa fi bakka maqaa jijjiira, YHWH Yesuusiif

▣ **"inni isatti amanatu moo hin yaalla'u"** kun Isa 28:16b irraa fudhatame. Rom 10:11 keessattis tuqameera: Iyo'el 2:32, Rom 10:13 keessatti tuqameera. Furtuun fayyinaa lameen (1) wanticha (dhagaa golee) fi (2) fudhanna dhuunfaa (amanti) dha. Matadure addaa: Amanti 4:5

▣ **"dhagaa"** kun dura maqaa Waaqayyo ture (fa 18:1-2, 31, 46; Deb 32:18; 1Sam 2:2; Far 28:1; 31:3; 42:9; 71:3; 78:35), garuuu maqaa sanyii Muusee ta'e (Uma 49:24; Far 118:22; Isa 8:14; 28:16 Dan 2:34-35, 44-45, Matt 21:42-44) Abdii kakuu Waaqayyo wantoonni furtuu ta'e (masihicha) dagatamee, tuffatame (1Qor 1:23). Yihudoonni kan hubannoo dhaban akeeka Masihicha qofa odoo hin taanee, Waaqaa kakuu Waaqayyoo male. Kiristoos yihudootaaf gufannaaf sababa itti ta'e (Isa 8:14, Luq 2:34) garuuu amantootaaf, warri yihudaafi Ormaa, dhagaa bu'uuraati. (Isa 28:16; 1Phex 2:6-10)

**MATADUREE ADDAA: DHAGAA GOLEE**

I. Itti fayyadama Kakuu Moofaa
   A. Yaadni dhagaa akka jabaa hin dulloomnee bu'uura gaariitti YHWH agarsiisa ture (Far 18:1)
   B. Maqaa hidda Muusee ta'e (Uma 49:24; Far 118:22; Isa 28:16
   C. Qajeelummaa YHWH isa karaa Masiih bakka bu'e (Isa 8:14 Dan 2:34-25, 44-45)
   D. Gara fakkeenya ijaarsaati guddate
      1. dhagaa bu'uura dura kaa'amu, isarra ka'ee rogaa ijraarsichaaf dhagaa hafeef qajeelcha ta'u
      2. dhagaa xumura dimdimaata, isa keenyaan walitti qabu (Zach 4:7; Efs 2:20, 21)
      3. "dhagaa balbalaa" isa karaa balbalaa jiruufi ulfina keenyaan maraa baatu jechudha.

II. itti fayyadama Kakuu Haaraa
   A. Yesuus far 118 yeroo hedduu irra deddeebi'ee of agarsiisuuf itti fayydameera (Matt 21:41-46, Marq 12:10-11, Luq 20:17)
   B. Phaawuloos far 118 tuffii YHWHn amantii dhabeeyyiif, Israa'eeloota gantoota ta'aniif fayydameen walqabsise irra deddeebi'ee fayyadame (Rom 9:33)
   C. Phaawuloos yaada "dagaa gubee" Efs 2:20-22 keessatti Kiristoosiin walqabsiise fayydame.
   D. Phaawuloos yaada Kiristoos kana ergaa 1 Phexroos 2:1-10 keessatti fayyadame. Yesuus dhagaa golee yoo ta'u amantoonni ammoo dhagaa jiraataadha. (S.S amantoonni akka mana sagadaa 1Qor 6:19) isa iratti ijaaramanii (Yesuus mana sagadaa haarawaadha) Marq 14:58, Matt 12:6; Yoh 2:19-20)

   Yihudoonni hoggu Yesuusiin akka ijaaru hayyamu fudhachuu didan bu'uura abdiisaanis waluman didan.

III. Dubbii xinamantii
   A. YHWHn Daawit Soloman mana sagadaa akka ijaaru hayyamu yoo isaan kakuu isaa eeganiif akka isaan eebbisuufi wajjin ta'u, yoo didan garuuu manni sagadichaayyu akka jijjiigu himeef (1Mot 9:1-9)
   B. Barsiisni yihudootaa safuufi duudha irratti xiyyeeffate kallatti amanti dhuunfaa dhiisa (kun dubbi haguugi miti) Waaqayyoo uumaa fakkaatti isaa wajjin walitti dhufeenya dhuunfaa, guyyuufi Waaqummaa tolfachu barbaadan (Uma 1:26-27), Luqaas 20:17-18 sagalee sodaachisaa qajeelummaa qabatera.
   C. Yesuus yaada mana sagadaa akka qaama dhaqnaati dhiyeessa. Kun yaada dhuunfaa babal'ise. Yesuusitti akka masiihi amanuun furtuu walitti dhufeenya YHWHti.
   D. Fayyina jechuun fakkeenya Waaqayyo nama keessatti deebisuu jechudha. Yoo kana walomni Waaqayyo ni danda'ama. Galmi kiristaanaa Kiristoosiin fakkaachudha. Amantoonni dhagaa jiraataa Kiristoosirratti hunda'an (mana sagada haarawaadha)
   E. Yesuus bu'uura amantaa keenyaafi dhagaa qubbee amantii keenyaati. (S.S Beelii-balal) Dhagaa gufannaafi kattaa kufinsaati. Isa dhabuu jechuun waan hundumaa dhabuu jechuudha. Asitti iddoon gidduu lachuudhaa hin jiru.

**GAAFFIILEE MARIIDHAA**

Kun ibsituu qajeelcha qo'annoofi kun jechuun ati hiikkaa kitaaba qulqulluu keef itti gaafatamoodha. Hundi keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni Qulqulluufi Hafuurri Qulqulluu hiikkaa keessatti dursa qabdu. Kana Ibsa wajjiin walitti laaquu hin qabdu.

Gaaffileen marii kunneen dhimmoota ijoo kutaa kitaaba kanaa irratti akka yaadduuf si gargaaruuf kan qophaa'edha. Akka ilaalcha dadamaqsaniif malee hiikkaaf kan qophaa'an miti.

1. Boqonnaan 9 (dur murtaa'oon) akkamitti boqonnaa 10 (fedha tola namootaa) firoomaa?
2. Qabiyyeen muummee boqonnaa 9:1-29 maalidhaa?
3. Waaqayyo abdii Israa'elootaaf qabu cabseera?
4. Caalmaa sabni Israa'el argate ture tarreessi (9:4-5)
5. Yihudoonni hundi Waaqayyoof qajeelo turanii? Maaliif ykn maaliif dhaban (9:6)?
6. Yoo namni fedha Waaqayyo hojjechuuf dirqame inni haamileef itti gaafatamoodha?
7. Furtuun dur murtaa'oo 'araarri' akkamii (15, 16, 18, 23; 11:30-32)?

# ROOMAA 10

| HIRAMSA BUUFATAA HIIKKAA HIMMAYYAA | | | | |
|---|---|---|---|---|
| **YBS**[4] | **KJHH** | **KQSHH** | **TIV** | **KQJ** |
| Israa'eliifi wangeele<br><br><br>9:30-10:4<br><br><br>Fayyinni hundaafi<br><br>10:5-13<br><br><br><br><br><br><br>10:14-21 | Israa'el wangeela barbaaddi<br><br><br><br><br>10:1-13<br><br><br><br><br>Israa'el wangeela<br>10:14-21 | Qajeelummaan dhugaa amantiinii<br><br>9:30-10:4<br><br><br><br><br>10:5-13<br><br>Israa'el kufaatii ishiif ittigaafatamti<br><br>10:14-17<br><br>10:18-21 | Israa'eliifi wangeela<br><br><br>9:30-10:4<br><br><br>Fayyinni hundaafi<br><br>10:5-13<br><br><br><br><br>10:14-17<br><br>10:18-21 | Israa'el Qululluun Waaqayyo ta'uu ilaaluu dadhabde<br><br><br>10:1-4<br><br><br>10:5-13<br><br>Dhuga bahiinsa Muusee<br><br>10:14-17<br><br>10:18-21 |

MARROO DUBBISAA SADII (fuula viii)
SADARKAA BUUFATAATTI FEDHA BARREESSICHAA HORDOFUU

Kun ibsituu qajeelcha qo'annaati. Kun jechuun ati hiikkaa kitaaba Qulqulluu keef itti gaafatamoodha. Hundi keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni Quqlulluufi Hafuurri quqlulluu hiikkaa keessatti dursa qabdu. Kana ibsaa wajjin walitti laaquu hin qabdu.

Boqonnicha taa'umsa takkaan taa'ii dubbisi. Dhimmicha addaan baafadhu. Hiramsa dhima kee hiramsa hiikkaalee shaman irra keessa jiran wajjiin walcina qabii madaali. Buufanni afuurahuun miti, garuuu fedha barreessichaa ka'umsaa hordofuuf, isa handhuuraa hiikkaadhaaf furtuudha. Buufanni hundi dhimma tokkoofi tokkoo qofaa qaba.

1. Buufata duraa
2. Buufata lammataa
3. Buufata sadaffaa
4. kkf

Ilaa Qabiyyee

A. Boqonnaan 10 carraa Israa'eloonni afeerraa fayyinaa YHWH isaanii godhee deebii qaban irratti xiyyeeffata. Boqonnaan 9 waa'ee Waaqayyo yihudoota filachuun akkeeka filannoo Isaan hammatamu dhabuu haasa'a. (S.S kakuu abboomiiti)

B. Phaawuloos dhimmasaa Wangeelaaf Kakuu Moofaa fayyadamuu itti fufe. Kun amala ergamtoota lallaba HoEti. Isaanis akka kerygam ti beekkamu (S.S kan labsame) mataduree addaa kerygma 1:2 ilaala.

C. Dhugaan wiirtuu 9:30-10:4 dhaa:
   1. Ormoonni qajeelummaa Waaqayyo karaa amantii Kiristoosin qabaachuu isaanii
   2. Yihudoonni qajeelummaa Waaqayyoo sababa Kiristoositti amanuu dhabuusaaniin hankaakuu isaanii
   3. Seerri qajeelummaa hin kennu kenna Waaqayyoo isa karaa Kiristoositti amanuu malee gochaa namootaan argamu miti (3:21-31)

D. Burce Corley fi Curtis Vaughan kitaaba isaanii "A Study Guid Commentary, Romans, " jedhu Zondervaaniin maxxanfame, ful 115-116 keessatti waa'ee cubu yihudootaa qabxii gargaaru ka'aniiru.
   1. boona amantii 10:2a
   2. qaroo dhabummaa afuuraa 10:2b 3a
   3. qajeelummaa dhuunfaa 10:36
   4. rakkisaa ija hin qabne 10:4a

Anis yaada goolabbii isaanii xumura boqonnaa 9 fi waa'ee boqonnaa 10 "filannoon kan dhufu fannoo isaa lallabun isa jedhu (1Tas 1:4-10) innis birmaduun humnaa (9:6-2a) dubbisa ergaa jabaa xalayoota Phaawuloos (10:1-21) irra jiruun hordofamuun nan jaaladhe. Aangon jabaa wangeela lallabuudha beekkomsa, kana gochuun, Waaqayyo akeeka filannoo Isaa Kiristoosin gochuun Isaa amanamadha (ful 114)

**QO'ANNOO JECHAAFI GAALEE**

**10:1-4**
**[1]Obbo1oota ko! Yihudoonni akka fayyan garaa koc hundumaan nan hawwa, isaaniifis Waaqayyoon narkadhadha. [2]Isaan Waaqayyoof akka hinaafan dhugaa nar ba'aaf; haa ta'u iyyuu malee, Waaqayyoof hinaafuun isaani akka hubannaa dhugaatti miti. [3]Qajee1ummaa isa Waaqayyo kennu wallaalanii, qajee1ummaa mataa isaanii dhaabbachul yaalaniiru; qajee1ummaa isa Waaqayyo namaaf kennu jalas of hin ga1chine. [4]Kristos nama amanu hundumaa gara qajee1ummaatti geessuudhaan seericha iddoodhaan ni ga' a.**

**10:1 "obbooloota koo"** jecha kana Phaawuloos yaada yaarawatti seenuuf fayydama (1:13; 7:1, 4; 8:12)

▣ **"akka fayyan garaa koo hundumaan nan hawwa, isaaniifis Waaqayyoon nan kadha"** Phaawuloos akka yihudoni fayyuu danda'aniifi kadhatni isaas garaagartee akka fidu ni amana. Kun yaada faccisa durmurtaa'o irratti ka'e isa ajaa'ibaati. Mataduree addaa ilaalaa: kadhata araara 9:3.

Garaagaruummaan barreeffama Giriik "isaaniif" jedhu ni jira. Barreefamni "Israa'eli" bakka buuse ni jira. Haa ta'uti, ragaaan barreeffama "isaaniif" isa jedhu deggera.

**10:2** "Waaqayyoof akka hinaafan" jaalalaafi caalchifanni gahaa miti (lak 3-4) Phaawuloos kana sirritti beeka (HoE 9:1; Gal 1:14; Filp 3:6)

**10:2-3 "Waaqayyoof hinaafuunsaanii akka hubannaa dhugaatti miti. Qajeelummaa Waaqayyo kennu wallaalanii"** jechi "beeku" jedhu (lak 2, epig inosko) karaa lama fayyada (1) yihudonni wangeela hin hubanne (miira Giriikiin) ykn (2) yihudoonni walitti dhufeenya amantii Waaqayyo wajjiin hin qaban (miira Ibrootaan Uma 4:1, Erm 1:5) yihudoonni Waaqayyoof deebii kennuu wallaalanii irraa hin gargallee (lak 16, 18, 19) garuuu amantii gocha namaan bakka buusanii, innis of boonsuutti amala baduutti, fi qoodinsatti isaan geessee (lak 3a)

**10:3 " qajeelummaa Waaqayyoo"** yaada boqonnaa 9:11 keessatti Guutoon kun kan agarsiisu Waaqayyo ofiisaa wajjin sirritti dhaabbachuu (Rom 4) isaa, kunis bu'uura araara Isaa, hojii Kiristoos xumure irratti, afuuftaa afuuraafi gaabbii cubbamtootaa, deebii amantiifi ajajamuufi obsa itti fufinsa qabu irrattidha.

Akkamitti yihudoonni qajeelummaa Waaqayyoo akka isaan hubachuu dadhaban arguu namni tokko arguu ni danda'a. Kakuu Moofaa abboommi seeraa irratti xiyyeeffata. (Deb 4:28-6:3, 17, 24-25). Wanni isaan qalbifachuu hafan wal madaallii amantiifi qalbii diddirranaati (Deb 5:29-30; 6:5). Seerri keessa Deebii sirriitti Waaqayyo bakka Israa'el socho'uu isaafi, kunis gatii qajeelumaa isaanii odoo hin taane, gatii amalasa ta'uu mirkansa. (9:6, 7, 13, 24, 27; 10:12-22; Hizq 36:22-38). Kana'aanonni kan qabiyyee isaanii gadhisan gatii qajeelummaa Israa'el miti, gatii cubbuu isaanii malee (9:4-6; Uma 15:16)

Mataduree addaa 1:17 ilaalaa

▣ **"qajeelummaa isa Waaqayyo namaaf kennu jalas of hin galchine"**

Kun jecha loltoota cancala ajajaa keessa jiru "harka kennuu" jedhudha. Yihudoonni qajeelummaa Waaqayyoo argachuuf yaalaniiru, garuuu kennaadha. (3:24; 5:15; 6:23; Efs 2:8-9) Phaawuloos dhugaa kana karaa gara Damaasqotiitti geessu irratti ifatti argeera.

**MATADUREE ADDAA : JALA GALUU (HUPOTASSO)**
Septuagint jecha kana jecha Ibroota kudhan Biroo ittin hiikuuf fayadama. Hiikkaan bu'uuraa Kakuu Moofaa "ajajuu" ykn "abboomu"dha. LXX keessaa fuudhame.

1. Abboomii Waaqayyoo (lak 10:1; Yona 2:1; 4:6-8
2. Abboomii Muusee (Ba'u 36:6; Deb 27:1)
3. Abboomii Moototaa (2Sen 31:13)

Kakuu Haaraa keessatti miirri kun itti fufee, HoE 10:48 keessatti abboomii ergamoota ta'a. Haa ta'uti Kakuu Haaraa keessatti hiikkaan Biroo argamaa dhufe.

1. Kallattiin fedhinnaa dagaage
2. gochi of daangeessu jala galuu Yesuus, Abbaa jalaan mul'ate (Luq 2:21)
3. amantoonni kallatti aadaa jala galuu isaaniitin wangeelli akka homaa hin gooneti fudhatan.
   a. amantoonni hundi (Efs 5:21)
   b. nadhoonni amanani (Qol 3:18; Efs 5:22-24; Tit 2:5 1Phex 2:13)
   c. amantoonni mootummaa waqmalee (Rom 13:1-7; 1Phex 2:13)

Amantoonni kaka'umsa jaalala ala, Waaqayyoof, Kiristoosiif mootummaaf, gaarumaa warra kaaniif godhu. Akkuma agapao waldaan jecha kanaa hiikkaa haarawaan mootummaa Waaqayyoofi fedhii warra kaaniif jecha itti guuttee jirti. Jechichis gaarummaa of dhabinsaatti deeme, abboommi irratti hin hundaa'u, garuuu walitti dhufeenya haarawaa of kennaa isa ta'e Waaqayyoofi Masihicha wajjiini. Amantoonnis gaarummaa walii galaafi eebba maatii Waaqayyoof abboomamuufi jala galuu qaban.

**10:4**
**KQSAH, KJHH,**
**KQSHH** **"Kiristoos xumura seerichaatii"**
**TIV** **"Kiristoos seericha gara xumuraatti fide"**
**KQJ** **"Kiristoosiin seerichi amma xumure.**

Dubbiin kun Matt 5:17-48 wajjin walargata. Akeekni galmii ykn xumurri (telos) seerichaa fayyina miti, komeedha. Akeekni sunis itti fufe (Gal 3:24-25) Barruun Kakuu Haaraa kana irratti Gal 3:1-29 dha.

Yennaa waa'ee kanaa ka'u gaadni barruu murteessaadha. Phaawuloos Kakuu Moofaa bifa hedduun fayydameera. Yennaa jireenyaa kiristaanaa mariiyannu, km mul'ata Waaqayyoodha (Rom 15:4; 1Qor 10:6, 11) garuuu yennaa fayyina marii yannu gatii dhabaafi itti darbe ta'a. (Ibr 8:13). Sababni isaas kun dullootaaf dubbin dalgaati. Wangeelli Yesuusitti amanuudhaa bara haarawaa afuuraati. Yeroon seera dhumate mataduree addaa ilaalcha Phaawuloos seera Muusee irratti qabu 13:9 ilaalaa.

▣
**KQSAH, KJHH** **"nama amanuu hundumaa gara qajeelummatti"**
**KQSHH** **"warra amananiif hundumaa qajeelumman ni ta'a"**
**TIV** **"kana mane hundi Waaqayyoon qajeelaa ta'a"**
**KQJ** **"kanaafu kan amanti qabu hundi ni qajeela"**

Boqonnaan 9-11 walfaana hiikkamu qaba. Xiyyeeffannoon birmadoma Waaqayyoo irratti boqonnaa 9 keessatti eerame yaamicha amantootqaf boqonnaa 10 keessatti godhameen muddame ilaalamu qaba (lak 4, 9, 11, 13; 3:22; 4:11, 16)

Duuniyooma jaalala Waaqayyoofi akeekni dhiifama cubbuu Uma 3:15 keessatti eeramee jira; Uma 12:3 fi Ba'u 19:5-6 keessatti jabinaan. Waa'ee jaalala duuniyaa deddeebisanii dubbataniiru. Dhugaatti Waaqa tokkotu jira. Inni hunda fakkeenya isaan uume, hundis akka waliin fayyu afeere. Haa ta'uti, wanti iccitii namu bakka bu'ummaa afuuraan ala deebii kennu dadhabuu isaati. (Yoh 6:44, 65) Gaaffiin ama dhufu "Waaqayyo nama hundaa fayyinatti geessaa?" dha. Deebiin "Eeyyee!" (Yoh 3:16; 1:42 1Yoh 2:2; 4:14; 1Xim 2:4; 2Phex 3:9) Deeddeebi'u cubbuu, kfuaatiifi seeyxaanaaf namoonni gariin "miti" jedhu.

Wayita Phaawuloos lallabu Yihudoonni muraasni debi kennanii jiran, kennine; Ormoonni muraasni deebii kennan, gariin hin kennine.

Jechi "amantii" (pisteuo) hiikka afaan ingiliz sadii qaba "amantii", "amanamaa" fi "amantaa" kenna ammati. Garuuu itti fufinsa agarsiisa. Galateeffanno haqaa (xinamantii, keessa seenaa, odeeffanno wangeelaa) miti, isa kenna ulfina Waaqayyoo karaa Kiristoos argatu miti. Kakuu Haaraa kakuudha. Waaqayyo ajandaas ofii kaa'ee deebii barbaachisaafis ni kakaasa, garuuu namoonni amantii jalqabaatti deebii kennuun fi qalbii diddirrachu qabu, itti fufinsaanis amanuufi qalbi diddirrachu qabu. Abboomamuufi obsi murteessaadha. Kiristoosin fakkaachuufi hojiin wangeela galmadha.

**MATADUREE ADDAA: GOCHIMA HENNAA GIRIIK FAYYINAA FAYYADU**
Fayyinni bu'aa miti, walitti dhufeenyadha. Yoo tokko Kiristositti amanu hin xumuramu, ni eegala malee!

Imaammata wabii abiddaas miti, ykn tasgarii gara jannataa miti. Jireenya Kiristoosin fakkaachuutti guddachuudha.

FAYYINNI AKKA GOCHA XUMURAMEE

- HoE 15:11
- Rom 8:24
- 2Xim 1:9
- Tit 3:5
- Rom 13:11

FAYYINNI AKKA WAAN JIRAATAA

- Efs 2:5, 8

FAYYINNI AKKA DEEMSA ITTII FUFAA

- 1Qor 1:18; 15:2
- 2Qor 2:15

FAYYINNII AKKA DHUMATA FUULA DURAA

- Rom 5:9, 10; 10:9, 13
- 1Qor 3:15, 5:5
- Filp 1:28
- 1Tasl 5:8-9
- Ibroo 1:14; 9:28
- (Matt keessatti 10:22, 24:13)
- Marq 13:13

**10:5-13**
**5Museen waa'ee qajee1ummaa isa seera keessaa argamuutiif, "Namni wanta seerichi jedhu godhu, ittiin ni**
**jiraata' jedhee caafeera. 6Qajee1ummaan amantii keessaa argamu garuuu, "Kristosin gad fiduudhaaf,**
**'Eenyutu gara waaqaatti ol ba' a?' 7Yookiis immoo, Kristosin warra du' an keessaa ol fiduudhaaf, 'Eenyutu**
**qileetti gad bu'a?' jettee garaa keetti hi yaadin!" jedhe. 8Egaa maa1 godhi jedha ree? "Dubbichi siti dhi' oo**
**dha; afaan kee keessa, garaa kee keessas jira" jedh,dubbichis dubbii amantii isa nuyi 1allabnuu dha.**
**9Yesus gooftaa akka ta'e afaan keetiin yoo beeksifte, Waaqayyo du'a akka isa kaase immoo garaa keetti**
**yoo amante fayyina bara baraa ni argatta. 10Namni garaa isaatti amanee qajeelaa ta'a, afaan isaatiinis**
**beeksisee ni fayya. 11Caaffanni qulqullaa' aan, "Namni isatti amanu hundinuu hin yeella'u" ni jedha.**
**12Kanattis warra Yihudootaa fi warra Yihudoota hin ta'in gidduu garaagaruummaan hin jiru; innoo**
**gooftaa nama hundu maa ti, warra isa waammatan hundumaafis badhaadhummaa isaa irraa ni kenna.**
**13Caaffanni qulqullaa'aan, "Namni maqaa gooftaa waammatu hundinuu ni oola" ni jedha.**

**10:5** Lakkoofsi kun itti hidhata lak 18:5ti. Abdiichi dhugaa yoo namni tokko seera eege, Waaqayyoon fudhatama ni argata (Luq 10:28; Gal 3:12). Rakkinni Rom 3:9, 10-18, 19, 23; 5:18; 11:32 dhugaa eera. Hundi cubbameera. Lubbuun cubbamte ni duuti. (Uma 2:17, Deb 30:13; Hiz1q 18:4, 20) karaan Kakuu Moofaa kun cufameera. Murtii du'aa ta'e, abaarsa (7:10; Gal 3:13; Qol 2:14)

**10:6-8** kun itti hidhata Deb 30:11-14 Septuagint (LXX) keessaati. Garuuu Phaawuloos faayidaa ofii jecha fooyyesseera. Yadni kun Muuseedhaan waa'ee seeraa hoggu kaase dubbateera, asitti garuuu namoomuu, du'uufi du'aa ka'uu Kiristoosiif oolee jira. (lak 9; Efs 4:9-10) Phaawuloos garuuu fayyinni karaa amantii Kiristoosin ta'uu tuqa (Deb 30:15-20) Salphaadha, barbaachisaadha, hundaafidha. Seera Muusee irraa adda.

▣ **"qajeelummaan amantii keessaan argamu"** Phaawuloos durse "cubbuu" fi "ulfina" namoomseera, amma qajeelummaa amantii namoomsu barbaade. Kanas Kakuu Moofaa keessa kan waraabe lak 6, 7 fi 8 dubbateera.

▣ **"gadii fiduu ….. ol ba'a"** Kiristoos barbaada namoonni deemuu hin qaban; Waaqayyo hundaaf ifatti isa erge. Barbaadni namootaa barbaachisaa miti.

▣ **"Garaa"** Garaan of garsiisuuf dhaabbata. Mataduree addaa 1:24 ilaalaa.

**10:9 "yoo"** kun (third class conditional sentence) dha jechun gocha fulduraa humna qabeessa jechudha. Lakkoofsi 9 yaada (hoti) ergaa amantiiti.

▣ **"waadaa galuu"** Jechi tishoo, homologeo "jechuu"fi "walfakkaataa" jechu yoo ta'u "biyya duratti irratti waliti galuu" jechudha. (sagalee al fudhani akka namni dhagahu dubbachuu) saba keessatti Kiristoosin waadaa galuu baayye barbaachisaadha. (Matt 10:32; Luq 12:8; Yoh 9:22 12:42, 1Xim 6:12; 1Yoh 23; 4:15). Waadaa seenuun waldaalee ganamaa cuuphaa ture. Kaadhimaan formulaa "Nan amana Yesuus Gooftaa dha" jedhu irra deebi'ee jechuudhaan irbuu seena. Mataduree itti aanu ilaala.

**MATADUREE ADDAA: WAADAA GALUU**

A. Hiddi jecha Giriik walfakkaataan lama "waadaa galuu" ykn "orbuu seenuu" homoloegeo fi exomologeo jedhan ni jira. Jechi tishoo Yaaqob fayyadame "homo" irraati. Walfakkaataan, lego-dubbachufi ex keessaa jedhu qaba. Hikkaan bu'uura waan walfakkaataa deebisani haasa'u waliigaluu jechudha. ex itti dabalamte hawaasa labsuu jechudha.

B. Hiikkaan Ingiliffaa garee jecha kanaa
   1. eellifachu
   2. waliigaluu
   3. labsuu
   4. irbuu seenu
   5. waadaa galuu

C. garee jechoota itti fayyadama faallaa lakkuu qaba
   1. (Waaqa jajachuu)
   2. cubbuu amanuu

Kun feetu cubbamuu namootaafi qulqullummaa Waaqayyoo agarsiisuuf guyyaa keessa kan dhufedha. Dhugaa tokko fudhachuun lameenu fudhachuudha.

D. Itti fayyadamni Kakuu Haaraa dhaa:
   1. abdachisuu (Matt 14:7; HoE 7:17)
   2. fedhinaan waliigaluu (Yoh 1:20; Luq 22:6; HoE 24:14, Ibr 11:13
   3. Leellifachuu (Matt 11:25, Lu1 10:21; Rom 14:11; 15:9)
   4. irratti waliigaluu
      a. namaan (Matt 10:32, Luq 12:8 Yoh 9:22, 1e:42, Rom 10:9; Filp 2:11; Yoh 2:23; Mul 3:5)
      b. dhugaan (HoE 23:8; 2Qor 11:13; 1Yoh 4:2)
   5. Hawaasa labsuu (kakuu amantiitti miirii seeraa dhawaataan seene. HoE 24:14, 1Xim 6:13)
      a. Odoo yakka hin amannee (1Xim 6:12, Ibr 10:23)
      b. Yakka amanuun (Matt 3:6, HoE 19:18; Ibro 4:14 Yaq 5:16; 1Yoh 1:9)

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"Yesuus Gooftaa akka ta'e"** |
| **KJHH** | **"Gooftichi Yesuusidha"** |
| **KQSHH, TIV, KQJ** | **"Yesuus Gooftaadha"** |

Kun xin amanti waldaalee ganamaa waada amantiifi cuuphaa ittin gaggeessan ture. Jechi "Gooftaa" jedhu ayyaana Yesuus agarsiisuufidha. (Yoel 2:32; Hoe 2:32-33, 36; Filp 2:6-11) wayita Yesuus inni jedhumoo seenaa isaa isa namoomaa agarsiisuufi (Yoh 4:1-6)

**MATADUREE ADDAA : MAQAA GOOFTICHAA**

Galeen kun Kakuu Haaraa keessatti haasawa beekkamaa waldaalee keessaa ta'eeti jiraachuu qaamaaniifi humna jaaa sadacha Waaqayyoo kan agarsisudha. Formulaa humna digimtii odoo hin taanee amala Waaqayyootti ol iyyannoodha.

Galeen kun Yesuus akka Gooftaa ta'e agarsiisaa. (Filp 2:11)

1. hoggu namni tokko Yesuusitti amanee cuuphamu (Rom 10:9-13; HoE 2:38; 8:12, 16; 10:48; 19:5; 22:16; 1Qor 1:13, 15 Yaq 2:7)
2. afuura xuraaha baasuu (Matt 7:22; Marq 9:38; Luq 9:49; 10:17; HoE 19:13)

3. Fayyisuu irratti (HoE 3:6, 1b; 4:10; 9:34; Ya1q 5:14)
4. Hojii wangeela irratti (Matt 10:42; 18:5, Luq 9:48)
5. hojii waldaa (Matt 18:15-20)
6. Ormatti yoo lallaban (Luq 24:47; HoE 9:15,. 15:17: Rom 1:5)
7. kadhata irratti (Yoh 14:13-14; 15:2, 16:23; 1Qor 1:2)
8. kiristaanumma agarsiisuuf (HoE 26:9, 1Qor 1:10; 2Xim 2:19; Yaq 2:7, 1Phex 4:14

Wanna fedhe goonu akka lallabdoota, hojjettoota wangeela gargaartootaa, fayyistootaa, afura xuraawa abboomtoota kkf amala Isaan, humna Isaan, kenna Isaafi Maqaa Isaan goona.

▣ **"garee keeti yoo amantiee"** Guutoon kun waadaa galuu waliin cinaayina qaba, lakku amantiis ni ta'a. Jechi Kitaaba Qulqulluu "amanuu" jedhu (1) amanannaa dhuunfaa (2) yaada hayyummaa (Giriiki) fi (3) aarsaa fedhinna deemaa jiru (Deb 30:20)

Jechi "garaa" jedhu miira Kakuu Moofaa tajaajila. Phaawuloos jechoota "afaan" fi "garaa" jedhu yaada kana keessatti kan kaase. Deb 30:14 keessa lak 8 fi waraabeeti. Kun jechuun seeraa jabaafi sardaa fayyuuf sagalee ofuudhe dubbatu uumuu jechuu miti.

**10:10 "qajeelaa ni ta'a"** Galmii Waaqayyo amantootaaf qabu gaaf tokko jannata galuu qofaa miti, har'a Kiristoosiin fakkaachudha. Ergaan jabaa durmurtaa'oo, Efs 1:3-4, dhugaan kun lak 4 keessatti mirkanaahee jira. Amantoonni kan filataman komee dhabeeyyiifi qulqullaa'oo akka ta'aniif. Tilannoon doktiriina qofa odoo hin taanee biddiqa jireenyaati (Deb 30:15-20)

Lakkoofsi 10 xiyyeeffanno dachaa "Great Commishin" (Matt 28:19-20) fayyinaa (duuka butuu horachu) fi qajeelummaa (wanni isin abbome hunda akka qayyabattan barsiisaa) Kennuun calaqqise. Madaalliin gita kanaa Efs 2:8-9 (fayyina tolaa ulfina Waaqayyo karaa Kiristoosin) keessattiifi yaamicha gara "hojii gaarii" Efs 2:10 keessatti argama. Sabni fakkeenya isaan jiru fedha Waaqayyoo hoggayyu ni barbaada.
10:11 kun waraabbi Isa 28:16 ta'e isa Phaawuloos "eenyllee" jedhee itti dabaleeti. Isaayyaas keessatti kun akka amntiin masiihichatti, dhagaa golee Waaqayyootti (9:32033) agarsiisa. Akkuma boqonnaan 9 birmadu Waaqayyoo mul'isu, boqonnaan 10 ammooo namuu matayyaan, eenyulleefi hundillee, Kiristoositti of kennuu akka qabu mul'isa. Afeerraan duuniyaaf gara kanatti godhamu "tokkon tokko" lak 4 keessattiifi "eenyulle" lakk 11, 13 fi "hundi" lak 12 (si'a lama0 keessatti mul'ate. Kun madaalli gitaa filannoo (durmurtaa'o) boqonnaa 9 keessatti xiyyeeffannoo argateeti.

▣ **"isatti amane"** Amanuu qofti deebi ka'umsaa hin ta'u; ulaagaa fayyinaa barbaadamudha. xinamantii sirriin (dhugaan wangeelaa) qofti odoo hin taane kan fayyisu, walitti dhufeenyi dhuunfaa (nama wangeelaa) biddiqa jireenya Waaqayyo (jireenya wangeela) yoo qabaatedha. Amananna salphaa dhugaafi jireenya addaan baasu irraa of eega. Amantiin fayyisu amantii faccisuufi jijjiirudha. Jireenyi bara baraa amala ijaan mul'atu qaba. Mataduree addaa : Amantoota 4:5 ilaalaa.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH, TIV** | **"hin yeella'u"** |
| **KJHH, KQSHH** | **"hin qaana'u"** |
| **KQJ** | **"sababa itti qaana'u hin qabu"** |

Warri Kiristosiin amane (amanate) dugda hin garagaalu. Kun Isa 28:16 waraabame, yaada furtuu dhiyeessi Phaawuloos 9:33 ta'e.

**10:12 "warra yihudootaafi Giriikootaa giddu garaagarteen hin jiru"** kun dheebuu muummee kakuu haarawaati (Rom 3:22, 29, Gal 3:28; Efs 2:11-3:13; Qol 3:11) Waaqxi tokkichi uumama Isaa badan karaa gocha Isaan lubbu biteera. Fedhiin Isaas warra fakkeenyi isaan tolfaman gara Isaatti dhufani akka Isaa akka ta'anidha. Feetu hundi dhufuu ni danda'a.

Haalli Wangeelaa duuniyaatti ("hundi" lak 12 keessa si'a lama) iddo lamatti baha : (1) yihudootaafi Ormoota gidduu garaagarteen hin jiru, hundi dhabamaniiru (3:9, 19, 22-23, 11:32) fi (2) garaagarteen yihudootaafi Ormoota gidduu hin jiru: hundi fayyuu ni danda'u. Wangeelli dunquqquu namaa haqeera (Yoel 2:28-29; 1Qor 12:13; Gal 3:28; Qol 3:11) naannoo fayyinaa irratti.

▣ **"badhaadhummaa isaarra ni kenna"** Phaawuloos wayita ulfina Waaqayyo Kiristoos keessaan ilaalu, jecha "badhaadha" fayyadama (2:4; 9:23; 11:12 (si'a lama) 33; 1Qor 1:5; 2Qor 8:9, Efs 1:7, 18; 2:7; 3:8, 16; Filp 4:19; Qol 1:27; 2:2)

**10:12** Waraabbiin jabaa Yoel 2:32 kun xiyyeeffanno lama itti fayyadama Phaawuloos keessatti argate (1) Yo'el keessatti maqaa YHWH ta'e, Phaawuloos ammooo Roomaa keessatti Pheexroos ammooo HoE 2:21 keessatti Yesuusin bakka buusan (akkasumas Yoh 12:41 fi Isa 6:9-10, Filp 2:9 fi Isa 45:22-25; Rom 9:33 fi Isa 8:13-14) fi (2) Yo'el keessatti saba duratti waadaa galuu agarsiisa. Yaadni walfakkaataan kun HoE 7:59; 9:14, 21; 22:16; 1Qor 1:2; 2Xim 2:22. Mataduree addaa : Waamamuu 1:6 ilaalaa.

**MATADUREE ADDAA : YESUUS NAAZIREET**

Kakuu Haaraa keessatti Yesuus isa kam ta'uu agarsiisuuf jechoota Giriiki hedduutti fayyadameera.

A. Jecha Kakuu Haaraa
   1. Naazireet – magaalaa Galiilaatti argamtu (Luq 1:26; 2:4, 29, 51; 4:16; HoE 10:38). Magaalaan kun madda jiran irratti hin caqasamne, isa booddee keessatti argama.
      Yesuus Naazireet irraa ta'uun dubbi miti (Yoh 1:46) Mallattoon fannoo Yesuus irraa maqaa iddoo kanaa qabu mallattoo yihudootaa ta'e.
   2. Nazarenos – iddo lafaa agarsiisa fakkaata (Luq 4:34; 24:19)
   3. Nazaraios – magaalaa agarsiisaa, garuuu tapha jecha Ibrootaa keessatti "dame" ta'a (Netzer, Isa 4:2; 11:1; 53:2, Erm 23:5; 33:15; Zek 3:8; 6:12) Luqaas kana yesuusiif fayyadame 18:37 fi HoE 2:22; 3:6; 4:10; 6:14 22:8; 24:5; 26:9
B. Itti fayyadamni seenaa Kakuu Haaraa alaa itti fayyadama Biroo qaba
   1. gosa yihudaa (dura kiristaanaa) turan agarsiisa
   2. Yihudoota biratti amantoo Kiristoos agarsiisa (HoE 24:5, 14; 28:22)
   3. amantoota waldaa Syrian (Aramaik) agarsiisuuf "kiristaana" inni jedhu jecha Giriik amantoota agarsiisudha.
   4. darbee darbee moo eegi Yeruusaalem jigdeen booda Fariisonni deebi'anii Jaamniyaati gumaa'un mana sagadaafi waldaatti wal hiran. Fakkeenyi formulaa abaarsaa farra kiristiyaanaa "the Etighteen Benediction" jedhu Bera koth 28b-29ati. amantoota "Nazarenes" jedhee yaamu uumame.

   Feetu Nazarenes fi heretics odoo hin turree hoggasu baduu hin oolan. Galmee jireenyaa irras haqaman, amanti qabeessummaanis hin barreeffamne.

C. Carraa barreessaa

Qubee jecha kanaa heddummatutti ani baayye ajaa'ibadha, akkuma Iyyaasuun qubee Ibroota heddu qabu, sababaa (1) dhiyeenya jecha Muuseenoota "dame" jedhuu (2) hiikka bitagaleessaan makatuu, (3) magaalaa Galiilaatti qabatee ragaaan jiru xiqqoo ykn qullaa ta'uun akkan hiikka kanaaf mirkansu na qabe. fi (4) afaan warra hafuura xuraawaa irra akka bara dhumaatti dhufuun (S.S "nu balleessu dhuftee") jedhudha. Qo'annoo jecha kanaa guutuu ilaaluuf colin Brown Naw International Dictionary of New Testament Theology jil 2 p 346

**10:14-15**

**[14]Namoonni immoo, nama itti hin amanne attamitti waammatu ree? Attamittis nama waa'ee isaa dhaga'anii hin beeknetti amanu ree? Namni utuu isaanitti hin lallabin, attamitti waa'ee isaa dhaga'u ree? [15]Namoonni yoo ergaman malee, attamitti lallabu ree? "Warri oduu gaarii fidanii dhufan maal maal nama gammachiisu!" kan jedhu illee caafameera.**

**10:14-15** waraabbii Kakuu Moofaati aansee gaaffilee hedduutu kaa'aa ture. Waa'ee Israa'elonni ergaa YHWH fi ergamtoo Isaaf deebii kennuu dhabuun (Neh 9; HoE 7) Waaqayyo ergamtoota (raajoota, ergamtoota, lallabdoota, barsiisoota, hojjettoota wangeelaa) ergeera. Ergamtoonni kunneenis addunyaa barbaadamtuuf eegga Waaqayyoo turan. Akkuma Waaqayyo ergamtoota wangeelaa erge, dhaggeeffattonnis ergichatti sirritti deebi kennuu qabu turan. Phaawuloos yaada kana Isa 52:7 irraa waraabun gudunfe. Phaawuloos lakkoofsa Kakuu Moofaa kana lallabdoota wangeelaa agarsiisuuf bal'iseera.

Amantiin fayyinaa waan hedduu of keessaa qaba. (1) ergaa itti amanan (2) nama simatamu (3) qalbi diddirranaafi amantii ka'umsaa fi itti fufiinsa qabu (4) jireenya abboomama fi (5) obsa (yaadanno 1:5 ilaala)
10:15 kun "ergaa guddaa Roomaatti. Fayyinni wangeela dhagahuufi wangeela fudhachuun dhufa. Lallabdonni kan ergamanis "hundi" akka fayyufidha.

**10:16-17**
**16Hundumti isaanii garuuu wangeela dhaga'anii hin abboomamne; Isaayaas, "Gooftaa, eenyutu waan nu irraa dhaga'e amane ree?" ni jedha. 17Egaa amantiin dhaga'uu irraa ni dhufa, wanti dhaga'uun ta'u immoo dubbii Kristosiin ni beekama.**

**10:16** Phaawuloos ammas dubbii raajoota Kakuu Moofaa dursee ergaa YHWH ittin agarsiisuuf fayydaman innimoo ergaa wangeela yesuus Masiihicha agarsiisuuf oolchate. Akkuma Yihudoonni Kakuu Moofaa ergaa Waaqayyoo gatan, hihudoonni gaafa Phaawuloosis wangeela gatan. Kun waraabbi Isa 53:1 ti. Garuuu xinamantii walqabataa ganiinsa Israa'eloota ergaa Waaqayyoo Isa 6:9-13 keessaati.

**10:17** wangeelli dursa ergaadha (Gal 3:2) Garuuu ergichi sagalee dhuunfaati. "sagalee Kiristoos" (Qol 3:15-16)

▣ **"Sagalee Kiristoos"** sababaa yaada kana keessaaf kun ergaa Kiristoos isa lallabamuu agarsiisa. Wangeela lallabuun karaa Waaqayyo Kiristoosin gara addunyaa gahuu filatedha.

Garaagarteen barruu Giriik durii waliin qabxii kana irratti ni jira. (1) MSS p$^{46}$, ?$^{*}$, B, C, D$^{*}$ "sagalee Kiristoos" kan jedhu qabu. (2) MSS ?$^{c}$, A, D$^{c}$, K, Pn ammooo "sagalee Waaqayyoo" jedhu qabu. Inni duraa hin baramne (Qol 3:16) kanaafuu, feetu ka'umsa (qeeqa barreeffamicha) isa bu'uuraati) YBS$^{4}$ "A" kennaaf (mirkana) kun iddootti Kakuu Haaraa keessatti mul'ate qofa. Inni lammataa "sagalee Waaqayyo" jedhu yeroo heddu argameera (LuQ 3:2; Yoh 3:34; Efs 6:17, Ibr 6:5 fi 11:3)

**10:18-21**
**18Amma isaan dhuguma waa'ee kanaa hin dhageenyee ree? jedheen gaafadha. Dhaga'uun isaanii mama hin qabu; caaffanni qulqullaa'aan, "Waan isaan afaan isaaniitiin dubbatan lafa hundumaatti ba'e, dubbiin isaaniis lafa namni j iraatu hundumaa ga' e" ni jedha. 19Yookiis Israa' el hin hubannee ree? jedheen gaafadha. Waaqayyo duraan dursee, "Warra saba koo hin ta'initti akka hinaaftan nan godha, gaabbitaniis saba wallaalaatti akka isin aartan nan godha" jechuu isaa Museen dubbateera. 20Akkasumas immoo, "Warra ana hin barbaadinitti argameera, warra ana hin gaafatinittis mul'adheera" jechuu isaa Isaayaas mul'inatti dubbateera. 21Israa'el irratti immoo, " 'Harka koo guyyaa guutuu gara saba abboomamuu didee, anaan mormuutti bal'iseen jira' jedhee dubbateera" ni jedha.**

**10:18** Lakkoofsi kun yihudoonni irra guddeessi ergaa kana akka dhagahaniifi diduu isaaniifis itti gaafatamtoota ta'u mirkaneessa (gaalee Giriik xiyyee dacha). Rakkinni diduu isaanii osoo hin taanee amanuu dhabuudha.

Phaauloos Far 19:4 waraabeti. Lakkoofsa Far 1-6 kana keessatti mul'ata uumamaa, isa Waaqayyo karaa uumamaa dubbate (Rom 1-2)dha. Phaawuloos (1) ragaa duuniyaa ("gara biyya lafaaf") fi (2) mala ittin ergaa wangeelaa sagalee caldhisa irraa gara lallabdoota wangeela (ergamtoota, raajoota, hojjettoota wangeela, paastora fi barsiisoota, Efs 4:11), isa mul'ata addaa agarsiisu (Far 19:8-14) Ilaalchi guddoo ergaan wangeelaa gara addunyaa beekamtu bara Phaawuloositti bahuu isaati. (Bara Giriikiifi Roomaati) Phaawuloos hiikkaa barsiisummaa fayyadama. Hojiisaa xinamantiifi polemicaliif yaada Kakuu Moofaa dursee kaasa. Wanni sirritti hubatame taa'uu qabu itti fayyadamni Kakuu Moofaa Phaawuloos, akkuma ergamtoota Biroo, Hafuura qulqulluun guutameeti. (2Phex 1:20-21)

Amantoonni har'aa, ibsaa afuura qulqulluu jala ta'anii, toftaa hiikkaa barreessitoonni Kakuu Haaraa qaban ture deebisani hoomishuu hin dandeenye.
10:19-20: Yihudoonni ergicha dhagahan, Musee irrayyu dhagahan. Yihudoonni dhagan waa'ee namni hundi Waaqayyotti qajeelaa ta'u ergaa amantii dabalataas hubachu danda'anii jiru.

Lakkoofsa kana keessatti, Waaqayyo saba isaa kakuutti waa'ee Ormootaa dabalee itti himeera. Kunis waraabbi Deb 32:21 lak 19 keessatti fi Isa 65:1-2 moo lak 20-21 keessatti ta'eera. Dabalanni rifaasisaan Ormootaa kun yihudoota gara amantiiti kakaasuufi ture (11:11,14)

10:21 lakkofsi kun Septuagint Isa 65:2 waa'ee sabni kakuudhaa YHWH diduu (Isa 65:1-7) keessaa waraabame. Waaqayyo amanamaadha. Israa'elonni amanamoo hin turre. Amanti dhabuun isaanii gara firdiitti akka biyyaafi dhuunfaati dabarsa yeroof isaan kenne, garuuu qajeelummaa Waaqayyoo isa karaa Kiristoos diduunsaanii firdii bara baraati dabarsee isaan kenne.

**Gaaffilee mariidhaa**

Kun qajeelcha qo'annoo ibsituuti. Kunsi jechuun hiikkaa kitaaba quqlulluu keetiif ati ittifaatamoodha. Tokkoon tokkoo keenya ifaa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni qulqulluufi afuurri qulqulluudhaa hiikkaa keessatti dursitoota. Ati kana ibsaa wajjin walitti laaqu hinqabdu.

Gaaffileen marii kunneen dhimmoota gurguddoo kutaa kitaaba kanaa irratti akka ixyyeeffattuuf akka sigargaaruuf kan qophaa'edha. Isaanis ilaalcha dadamaqsuuf malee, hiikkaadhaaf miti.

1. Eegii filannoon Waaqayyoodhaa murteessaa ta'ee Phaawuloos 10:1 keessatti maaliif Israa'eelootaaf kadhatee? Lakkoofsi 10:9-13 woo maaliifu deebii namootaa irratti xiyyeeffannoo jabaa godhatee?
2. Lakkoofsa 4 jechuun maal jechuudhaa? Kiristoos seera irratti daangaa xumuraa godhee jiraa?
3. Wantoota amantii lakkoofsa 10:9-10 keessatti tuqamanii jiran tarreessi.
4. Phaawuloos irraa deddeebi'ee maaliif Km keessaa waraabbataa? Kun hoo akkamitti waldaa Ormootaa durii Roomaatti argamanii wajjin walitti firoomuu danda'aa?
5. Akkamiin lakkoofsa 11-13 boqonnaa 9 ti fimoomaa?
6. Akkamitti lakkoofsi 14-15 jiru ergaa addunyaa wlaiin firoomuu danda'aa?
7. Akkamitti fedhin tola namootaa fayyina namootaa isa boqonnaa 10 keessaa wajjin qaama ta'aa?

# ROOMAA 11

| HIRAMSA BUUFATAA HIIKKAA HAMMAYYAA | | | | |
|---|---|---|---|---|
| **YBS**[4] | **KJHH** | **KQSHH** | **TIV** | **KQJ** |
| Harcaatoota Israa'el | Diduu Israa'el hunda miti | Diddaan Israa'el isa dhumaa miti | Araara Waaqayyoo Israa'el irratti | Harcaatoota Israa'el |
| 11:1-10 | 11:1-10 | 11:1-10 | 11:1-6 | 11:1-10 |
| Fayyina Ormootaa | Diddaan Israa'el isa dhumaa miti | | 11:7-10 | Yihudoonni deebi'anii ijaaramuufi |
| 11:11-12 | 11:11-36 | 11:11-12 | 11:11-12 | 11:11-15 |
| | | | Fayyina Ormoota | Yihudoonni ammallee saba filatamedha |
| 11:13-16 | | 11:13-16 | 11:13-15 | |
| | | Dubbi muka Ejeersa | 11:16-18 | 116-24 |
| 11:17-24 | | 11:17-24 | 11:17-24 | Jijjiirama yihudootaa |
| Deebii'u Israa'el | | Israa'el ni fayyuu | Araarri Waaqayyoo hundaaf | |
| 11:25-32 | | 11:25-32 | 11:25-32 | 11:25-27 |
| 11:33-36 | | 11:33-36 | | 11:28-29 |
| | | | | 11:30-32 |
| | | | Waaqayyoon leellisaa | Faaruu Araara Waaqayyoofi ogummaasaa |
| | | | 11:33-36 | 11:33-36 |

**MARROO DUBBISAA SADII (fuula viii ilaali)**
Kun ibsituu qajeelcha qo'annaati. Kun jechuu ati hiikkaa kitaaba qulqulluu keetiif ittigaafatamoodha. Hundi keenya ifaa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni quqlulluufi afurri quqlulluu hiikkaa keessatti dursaa qabdu kan ibsaa wajjiin walitti laaquu hin qabdu.
Boqonnicha taa'umsa tokkoon gad taa'ii dubbisi. Dhimmicha addaan baafadhu. Hiramsa dhimma kee hiramsa hiikkaalee shaman irraa keessa jiran wajjiin walcina qabii madaali. Buufanni afuurahuun miti, garuuu fedha barreessichaa ka'umsaa hordofuuf, isa handhuraa hiikkaadhaaf furtuudha. buufanni hundi dhimma tokkoofi tokko qofaa qaba.

1. **Buufata duraa**
2. **Buufata lammataa**
3. **Buufata sadaffaa**
4. **kkf**

**Ilaa Qabiyyee**

A. Boqonnaa 11 walitti dhufeenya bitaa filannoofi wangeela gidduu jiru itti fufinsaan dhiyeessa. Filannoon Kakuu Moofaa tajajilaafi, wayita filannoon Kakuu Haaraa fayyinaaf jiru (tarreessa ilaali). Amantoonni maatii Waaqayyoo (Kakuu Haaraa) fi tajaajiltoota (Kakuu Moofaa) jedhamani waamamu. Filannoon gamtoomaafi dhunfaani, bitaafi mirga (Yaaqob/Israa'el-Esaaw/Edom; Musee/Fara'on) Muddamichi birmadu Waaqayyoofi fedha tola hamootaa giddutti qofaa miti, amala Waaqayyoo irrattis male. Boqonnaan 9-11 jiru irra deddeebi'e araara Waaqayyoofi gantummaa sanyi namaa kaasa. Waaqayyo amanamaadha; namoonni ammoooo amantaa dhabeeyyiidha.

Filannoon waa hambisuuf doktiriina miti; garuuu warreen abdiichaafi ilma kakuu Waaqayyoof deebii kennaniif bu'uura abdii nageenyaafi ofitti amantaadha.

B. Boqonnaa 9 keessatti Phaawuloos birmadummaafi bilisuummaa Waaqayyoo mirkansa. Walitti dhufeenya kakuu keessattilee Waaqayyo bilisadha. Boqonnaa 10 keessatti yihudoonni abdii Waaqayyoofi kakuu Isaa fudhachuufi diduuf bilisa ta'u mirkansa. Amantii dhabummaafi abdiifi kakuu Waaqayyoo diduun isaani eegii mirkansanii, isaan, gama tokkoon, Waaqayyoon didamaniiru jechuudha. Ilaa t'auuti boqonnaa 11, keessatti Phaawuloos amanamummaa Waaqayyoo, Israa'eloota fulduratti (Deb 8) qabu mirkansa.

C. Yeroo darbe, akkuma ammaati, harcaatonni yihudii Masiih Waaqayyootti amananii shakalatti jiran Phaawuloos mataansaa fakkeenya kanaati. Diddaan yihudootaa hin amannee muraasni Ormoota amanan dabalachuuf hayyame. Dabalamuun Ormootaa kaniinni bu'e:- (1) Saba Waaqayyoo guutuu ykn (2) lakkoofsa guutuu filatamoota, yihudootaafi Ormootaati. Dabalamuun Ormootaa Israa'elonni Masiihicha Waaqayyoo, Yesuusitti akka amanan ni kakaasa.

**QO'ANNOO JECHOOTAAFI GAALEE**

**11:1-6**
**[1]Egaa ani nan gaafadha, Waaqayyo saba isaa gateeraa ree? Matumaa kun ta'uu hin danda'u! Ani ofii kootii nama Israa'el, sanyii Abrahaam gosa Benyaamiin keessaa tokko. [2]Waaqayyo saba isaa warra duraan dursee beekumsa isaatiin fo'ate hin ganne; waa'ee isa Eliyaas, Waaqayyoon Israa'elitti kadhatee, caaffanni qulqullaa'aan waan jedhu ni beektu mitii? [3]Innoo, "Gooftaa! Isaan raajota kee ajjeesaniiru; iddoowwan aarsaa kees diiganiiru; ana duwwaatu hafe, isaan jireenya koos balleessuu ni barbaadu" jedhe. [4]Deebiin Waaqayyo isaaf kenne immoo maa1 ture? "Ani namoota Ba'aaliif jilbeenfatanii hin sagadin kuma torba ofii kootiif hambifadheera" kan jedhu ture. [5]Bara si'anaas immoo akkasuma hambaan warra Waaqayyo ayyaana isaatiin fo'atee jiru. [6]Fo'amuun isaanii ayyaanaan erga ta'ee immoo, hojii isaaniitiin ta'uu hin danda'u; kanaa achi ayyaanni ayyaana ta'ee jiraachuu hin danda'u!**

**11:1 "Waaqayyo saba isaa gateeraa ree?"** Gaaffiin kun deebii "lakkii" eeggata. Phaawuloos gaaffii kana lak 1b-10 keessatti deebii kenneera. Kutaan kun ga'insa Phaawuloos duraaniitti firoomuu qaba. Boqonnaa 9-11 gamtooma ga'insa dheeratee ni uuma.

Barreeffama Paapirus Giriik $p^{46}$ fi Unicls F fi F "dhaaltuu" bikka "sabaa" fayyadamuusaa feetumoo LXXii far 94:14 sirritti hubachuun gammachiisaadha.

▣ **"matumaa kun ta'uu hin danda'u"** kun amala Phaawuloos ittiin yaada mormitoota isaa kaasee ittiin tuffatuuti. (tutuqa dubii, 3:4, 6, 31; 6:2, 15; 7:7, 13; 9:14; 11:1, 11)

▣ **"Ani ofii kooti nama Israa'eli"** Phaawuloos matuma isaatti fakkeenya amanaa yihudii harcaatuu ta'uu agarsiise. Bal'ina duddubee Phaawuloos yihudii ta'uu Filp 3:5 ilaalaa. 11:2 "Waaqayyo saba isaa hin ganne" kun feetu itti seensa Far 94:14 (Deb 31:6, 1Sam 12:22; 1Mot 6:13; 3:31-32). Deebii gahaa gaaffii lak 1 keessaati.

"Warra dursee beekkomsa isaatiin fo'atee" kun wabii beekkamaa filannoo Waaqayyo Israa'eloota godheeti. Yaadannoo 8:29 ilaalaa. Dubbicha gara boqonnaa 9 ti akkuma lak 4-6 ti dubatti deebisa. Gochi guddaa gocha Israa'el osoo hin taanee filannoo Waaqayyooti. Waaqayyo, gatii eenyummaa Isaa, abdii Isaaf amanamaadha. (Hizq 36:22-32)

"Caaffanni Quqlullaa'a waan jedhu" kun isa Eeliyaas, Jezebel 1Mot 19:10 keessatti sanyiidhaa godhe lak 3 keessa waraabame waabeffata.

11:4 "kuma toorba ofii kootiif hambifadheera." "ofii kootiif" caaffata Masoretiika Ibrootaa 1Mot 19:18 keessa hin jiru (Phaawuloos MT ykn LXX irraa hin warbaabne), garuuu Phaawuloos maan filannoon Waaqayyoof

xiyyeeffannoo kennuuf dabalame. Harcaatonni amantootaa 1Mot 19:18 kan mul'ate ilaalcha Waaqayyoon malee diddaasaanii Ba'aali jilbeeffachu miti.

Phaawuloos kaniinni barbaade bara Eeliyaas keessa amantoonni muraasa sanuu amanta dhabeessa, israa'el badadoo ta'an keessa akka turan agarsiisuudha. Bara Phaawuloos harcaatonni yihudii amantoonni ni turan. Bara hunda keessa Israa'elonni muraasni haallii ofiin odoo hin taanee amantiin deebii kennaniiru. Phaawuloos yihudoonni amanan araaraafi ayyaana Waaqayyoon guutamu isaanii mirkaneesseera (lak 5-6)

▣ **"Ba'aaliif"** Kunis kan ta'e sababa yihudoonni dubbachiiftu dhalooma agarsiisu jecha Ibrootaa "shame" (boshetti) gar dubbatama maqaa ayyaana warra Waaqmaleeyyi fiduun qosaa godhatu ture.

11:5-6 Isaan kun lakkoofsa furtuudha. Gocha Waaqayyo dabre kakuu MOofaa keessaa gara haala ammaatti fidu filannoo Waaqayyoo araaraan ta'u agarsiisu. (9:15, 16, 18; 11:30, 31, 32). Ayyaanni Waaqayyoo dursaadha; amantiin namootaa barbaachisaadha. (Marq 1:15; HoE 3:16, 19; 20:21), haa ta'uuti, fedha namootaa irratti hin hundaa'uu (Efs 2:8-9; 2Xim 1:9; Tita 3:5) Haasa'a dhugaa Phaawuloos kun boqonnaa 9-11 keessatti murteessaadha.

**11:6 "yoo"** Kallatti barreessichaan dhugaa akeeka barruuti jedhame tilmaamama. Fayyina ayyaana Waaqayyoon (yaadannoo 3:24 ilaalaa 6:23, Efs 2:8-9)

▣ KJV lak 6f gaalee xumuraa dabala. "garuuu yoo hojiirraa ta'e, ayyaanni hin jiru, yoo kana hojiin kanarra hin jiraatu. Guutoon kun barreeffama Giriik durii keessatti hin argamu. A, C, d, G, ykn P fi hiikka Laatiinii durii, garuuu bifti gaalee Birooo lama barreeffama ? fi B keessatti mul'ateera. YBS[4] hafuusaa "A" irra kaa'eera.

**11:7-10**
**[7]Egaa maa1 ta'inna 1aata ree? Warri Israa'el waan barbaadan argachuu ni dadhaban; warri fo'aman argataniiru; warri kaan garuuu ni hadoodchifaman. [8]Akkuma caafamee jiru,"Waaqayyo hafuura hadoodchu isaanitti fide, hamma har'aattis ija hin arginee fi gurra hin dhageenye isaaniif kenne". [9]Daawitis akkasuma, "Maaddiin isaanii furgaasaadhaa fi kiyyoo, boolla itti qabamanii fi adaba isaanitti haa ta'u; [10]akka isaan hin arginetti iji isaanii haa dukkanaa'u, dugdi isaaniis bara isaanii guutuu haa goopha'u" jedha.**

**11:7 "warri Israa'el waan barbaadan argachuu dadhaban"** kun dubbii Phaawuloositti xiyyeeffannoo kennuuf hima Giriikaa keessatti iddoo duraa argateera. Hinudoonni hedduu Waaqayyootti qajeeloo ta'uu ni barbaadu, kana moo jila amantii, caalmaa sanyiifi carraaqqi ofiitti dhimma bahu. Galma isaanii gatani! foon kamuu fuula Waaqayyooti ulfina hin argatu. (1Qor 1:29; Efs 2:9)

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"warri fo'aman argataniiru"** |
| **KJHH** | **"garuuu warri filataman argataniiru"** |
| **KQSHH** | **"filatamtoonni argataniiru"** |
| **TIV** | **"kan argatan warra xiqqoo filatamanidha"** |
| **KQJ** | **"garuuu kan filataman yartuudha"** |

kun yaada Kakuu Moofaa "harcaatu" namoota 7,000 isa 1Mot 19:18ti agarsiisa. Furtuun carraaqqi namoota, sanyiifi amantummaa miti. (lak 6) ayyaana Waaqayyo filannooti. (Efs 1:3-14)

▣ **"warri kaan garuuu ni hadoodchifaman."** (2Qor 3:14). Akka Waaqayyo isaan hadooche agarsiisa. (lak 8-10). Ergamaan hadoochaa amajaajii (2Qor 4:4) "Hadoochuun" (porpp) jecha ogummaa fayyaana garnyeesu ykn jaamsuuti. (Rom 11:25; 2Qor 3:14; Efs 4:18). Jechi wal fakkaataa ergama Marq 6:52 ekessatti argama. Kun jecha Giriik adda ta'e lak 9:18 (skleruno) isa faallaa araaraati. (Ibr 3:8, 15; 4:7)

Lakkoofsi kun ifaadha, dhimbiibaa 11:1-6ti. Gariin filataman ni amanan, gariin hin filatamiin ammoooo hadoodan. Haata'uti, lakkoofsi kun akka dhaadannoo xinamantiiti. Qoodamee barreeffame miti.

Qaama dubbii xinamantii dheeratedha. Dhugaa lakkoofsa kana keessatti eerameefi afeerraa duuniyaa boqonnaa 10 giddu muddamatu jira. Asitti ajaaba jira. Furmaannis shakkicha tuffachuu ykn xiqqeessuu odoo hin taanee, faallaa saniiti.

**11:8-10** Lakkoofsi kun Isa 29:10 (lak 8a), Deb 29:4 (lak 8b garuuu MT ykn LXX fi Far 69:22-23 (lak 9-10) keessaa miti) keessaa waraabame. dhugumatti yaamichaafi ergama Isaayaas (6:9-13)ti gara Israa'eloota gananii ta'uu dhugumatti calaqisa Isaayyaas sagalee Waaqayyo dhiyeessa, garuuu sabni Waaqayyo deebi hin kennine, hin kennanis. Phaawuloos ragaaa Km hadoochuu Waaqayyoof kenne, akkuma dur godhee san 9:13, 15, 17.

**11:8**

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KJHH** | **"Waaqayyo afuura hadoochu isaanitti fide"** |
| **KQSHH, KQJ** | **"Waaqqayyo afuura waan hadooche."** |
| **TIV** | **"Waaqayyo sammuufi garaa isaanii hadooche.** |

Jechi Giriik (katanuxis) as Kakuu Haaraa keessatti qofa tajaajile, akka iddaa ilbiisaa isii hadoochiituu miira heddummeessituu tajaajila.
11:10 "akka isaan hin arginetti iji isaanii haa dukkanaa'u. Kun icciti birmadu Waaqayyoofi deebi namootaati. Waaqayyo madda hundaa, ka'umsa hunda, fedha isaatiin namoonni, uumamnisaa, akka deebi isaa kennan godhe. Warri amantiin itti deebisuu dadhaban ni hadoochaman.

Yaada kana keessatti Phaawuloos karoora Waaqayyoo ilmaan Addaam cubbuutti dhiquuf ta'uu mirkanseera. Amanti dhabummaan yihudootaa balbala amantii Ormootaa bane karaa hinaafaan ammoooo Israa'el deebisee ijaara. Karoora makamuuti. (Efs 2:11-3:13), Hadoochuun makara guddaa tajaajila.

**11:11-16**

**[11]Egaa ani nan gaafadha, gufachuun isaanii akka kufanii hafaniif moo ree? Matumaa kun ta'uu hin danda'u; garuuu irra-daddarbuu isaaniitiin, hinaaffaa garaa warra Israa'el keessaa dammaqsuudhaaf, warra Yihudoota hin ta'iniif fayyinni argame. [12]Egaa irra-daddarbuun isaanii biyya lafaatiif eebba erga badhaasee, hir'inni isaanii saba Yihudoota hin ta'iniif eebba erga badhaasee, warri Israa'el deebi'anii guutummaatti argamuun immoo hammam caa1aa eebba haa ta'u laata! [13]Ammas isin warra saba Waaqayyoo hin ta'inittan dubbadha; ani saba Waaqayyoo warra hin ta'iniif ergamaa akku man ta'e, ergaa koo kanas ol ol nan qaba. [14]Kanaan Yihudoota qomoo koo hinaafsisee, isaan keessaa muraasa illee oo1cha yoon ta'e nan dhama'a. [15]Gatamuun isaanii araaramuu biyya lafaa erga ta'ee, fudhatamuun isaanii immoo maa1 ta'inna 1aata? Inni warra du'a keessaa ba'aniif jireenya ta'uuf jira. [16]Bukicha irraa gar tokko buduqfamee Waaqayyoof kan qulqulleeffame yoo ta'e, guutummaan bukichaas kan qulqulleeffame ni ta'a; hiddi muka tokkoos Waaqayyoof kan qulqulleeffame yoo ta'e, damoonni mukichaas kan qulqulleef faman ni ta'u.**

**11:11 "kun gaalee jijinsa akka 11:1ti"** Itti fufinsa haasawa Phaawuloos akka Biroooti. Lak 1-10 keessatti Israa'el hundatu Waaqayyoon didame miti lakk 11-24 keessattis didamun Israa'elis kan baraaf miti akeekaaf ture, karaa sanaan Ormoon dabalaman.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"gaafachuun isaanii akka kufanii hafanii moo ree?"** |
| **KJHH, KQSHH** | **"kan gufatan akka kufaniif ture"** |
| **TIV** | **"yihudoonni yoo gufatan, rakkoosaanii irratti kufu"** |
| **KQJ** | **"yihudoonni barootaaf kufani, moo hin gufatanii"** |

Gaaffiin kun deebii "miti" eeggata. Amanti dhabummaan Israa'el kan barootaa miti.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"irra daddarbuusaaniitiin"** |
| **KJHH** | **"kufaatiisaaniin"** |
| **TIV** | **"gufachuusaaniin"** |
| **KQSHH** | **"sababa cubbuusaaniin"** |

**KQJ** **"kufaatiin"**

Yaadni kun yihudootni gooftaa yesuusiin akka masiitti fudhachu diduu isaanii (lak 12) agarsiisa.

▣ **"warra yihudoota in ta'iiniif fayyinni argama"** Jecha rifaasisa akkami turee yihudoota jaarraa duraafi (lak 12; HoE 13:46; 18:6; 22:21; 28:28)

▣ **"Hinaaffaa garaa isaanii dammaqsuuf"** karoorri Waaqayyoo Ormoota dabaluu akeeka lama qaba (1) Waaqayyo cubbuu sanyi namaa hundaaf dhiisuu fi (2) Waaqayyo harcaatuu Israa'el gara amantii dhuunfaati deebise dhaabusaati. ani dhunfaati #2 yoo bara dhumaati dammaqu yihudoota ta'e (Zech 12:10) ykn manneen sagadaa hammayyaa Musoota yoo guutama abdicha ta'an ni jajadha.

**11:12-14** Lakkoofsa kana keessatti hima yerooma kudhantu dhimma yihudoota hin amanneefi Ormoota amanan gidduu hidhateetu jira. Lakkoofsi 12, 14, 15, 16, 17, 18, 21, 24 sadarkaan duraati. Kallatti barreessichaanis dhugaadha jedhamanii yaadamu, lak 22 fi 23 sadarkaa sadaffaa ta'anii gocha fulduraa kan agarsiisanidha.

**11:12**

**KQSAH** **"guutummatti argamuun immoo hammam caalaa eebba haa ta'u laataa?**
**KJHH** **"guutummaansaanii hangam haa caaluree"**
**KQSHH** **"guutumuunsaanii jechuun hangam caalaa tue"**
**TiV** **"egaawo, eebbisaanii hammam guddaa turee, hogguu lakkoofsi guutu yihudootaa dabalame."**
**KQJ** **"isaan hunda deebisuun hammam akka fayyadu yaadaa"**

Hiikkaan jecha "guutummaa'saanii" ibsaadha (1) yihudoota fayyan lak 14b, 26b, ykn (2) lakkoofsa yihudootaafi ormoota amananiitti ni hidhataa?

11:13 "isin warra saba Waaqayyo hin ta'iinittin dubbadha." Boqonnaan 9-11 gamtooma deebii qabu qaba. "Maaliif Masiin yihudootaa yihudootaan didamee?" Haa ta'uti gaaffichi maaliif Phaawuloos xalayaa kana keessatti itti dhagahame, iddo kanatti, isa jedhuun hafa.

Lakkoofsi 13-24, 25c rakkoo waldaa Roomaa yihudoota sanyii guddataniifi Oromoota gidduu jiru calaqqisa. Amantoota yihudaafi Oromoota ykn Ormoota amananiifi yihudoota amanti maleeyii giddu argisiisa.

▣ **"Ani saba Waaqayyo warra hin ta'iiniif ergamaa"** Phaawuloos warra Ormootaa irratti hojii wangeelaa akka hojjetuuf akka ergamaatti itti dhagahama. (HoE 9:15; 22:21, 26:17; Rom 1; 15:16; Gal 1:16; 2:7, 9; 1Xim 2:7; 2Xim 4:17)

▣

**KQSAH, KJHH** **"Ergaa koo kana sol nan qaba"**
**KQSHH** **"Ergaa koof ulfina kenna"**
**TIV** **"Hojii koottin boona"**
**KQJ** **"ergamuu kootti ani nan boona"**

Jechi "ol ol qabuu" jedhu (1) galatomfachuu, (2) itti boonuu; ykn (3) wayin califachuudha. Kunis feetu rakkoo waldaan Roomaa qabdu agarsiisuuf ta'a. Phaawuloos (1) Ormoota tajaajiluuf gammadu isaa ykn (2) tajaajila isaan yihudoota hinaafsisuu akka fayyan taasisuufidha (lak 11, 14 fi 9:1-3ti)

**11:14 "isaan keessaa muraasa oolcha yoon ta'e"** kun yaamicha wangeelaa Phaawuloosidha. Akka isaan keessa yartuun deebii kennan ni beeka. (1Qor 1:21) isaan kaan ammooo akkanumaani (1Qor 9:22). Kun icciitii filannoo (bara Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa)ti.

**11:15** Diduun Israa'eloota filatamani bara Kakuu Moofaa karoora Waaqayyo fayyinaa keessa ture (kosmos) of qajeelummaan, of dhiibni sanyummaafi seertummaan yihudootaa barbaachisummaa amantiif sardamsa dabale (9:30-33) Amantii YHWH fi masii isaa Waaqayyo wajjiin dhaabbachuuf furtuudha, gocha amantii namootaan miti. Garuuu diduun Israa'elootaa dhiifama cubbuu sanyii namaaf/hundaaf ta'u yaadadhaa. Ofjaja namootaaf yihudootaafis ta'e Ormootaaf iddoon hin jiru kun ergaa waldaan Roomaa addatti dhagahu qabdudha.

▣ **"araaramu biyya lafaa eega ta'e"** kun cinaayina xinamanti "qajeelummaa Waaqayyooti. Jechichi "kata" fi "alassi" irra dhufe (jijjiiru, geeddaru, jechudha). Jeequmsa nagaatti deebisuun loogii ijaaru agarsiisa. (Rom 5:11; 11:15; 2Qor 5:18, 19) Waaqayyo bakkatti deebi'u walooma lafa Eden ni barbaada. Cubbuun walooma sana cabse, Kiristoosi ammooo warra amanan hundaaf kufaatii isaani keessatti gadiddu Waaqayyo deebiseera. Araara argataniiru fudhataniiru. (cinaayin lak 15) dhalli namaa walitti dhufeenya kana ofiin deebisuu hin danda'u, garuuu Waaqayyootu kan godha.

**11:16 "Bukicha irraa inni budduqe kan qulqullaa'e yoo ta'e"** kun _dha. Kallatti barreessichaan dhugaadha jedhamee tilmaamama. Waldugaa lak 15:17-21ti. Dubbii cigoo Kakuu Moofaa ija midhaan duraa Waaqayyoof kennuun hundumaa Isaa kennu agarsiisudha.

Amantoonni yihudii harcaatonni durii ammallee sabicha irratti dhiibbaa ni qabu. (Uma 18:27-33, 2Qor 7:14) Dubbin cigoon "ija duraa" "hiddaan" cinaayina qaba. (Erm 11:16-17) lameenu amanti qabeeyyi, keessattu jaarsolii Kakuu Moofaa (lak 28) Israa'el agarsiisu.

**11:17-24**
**[17]Garuuu damoota sana keessaa kaan irraa cabnaan, ati immoo inni akka damee ejersa diidaa, soora mukichi ejersaa sun qabu irraa hirmaachuudhaaf iddoo damoota cabaniitti itti fayyifamteetta, [18]damoota sanatti of hin jajin! Yoo of jajje garuuu hiddichatu si qabee jira malee, ati hiddicha akka hin qabin yaadadhu! [19]Ati immoo, "Akka ani iddoo isaaniitti fayyifamuuf damoonni sun irraa caccaban" ni jetta ta'a. [20]Ba'eessa jette; isaan amanti-dhabina isaaniitiif irraa caccaban. Ati garuuu amanti-qabeenya keetiin jabaattee ni dhaabatta; kanaafis sodaadhaan eeggadhu malee, waan guddaa ofhin se'in. [21]Waaqayyo, damoota warra mukichattii dhalatan hin qusanne erga ta'ee, sis hin qusatu. [22]Egaa gaarummaa fi humna Waaqayyoo yaadadhu! Warra irraa kufanitti hamaa dha, siif garuuu gaarii dha; kunis yoo ati gaarummaa isaatti jabaatte duwwaa dha; kanaa achi atis immoo mukicha irraa ni muramta. [23]Isaan immoo amanti dhabina isaanii irraa yoo deebi'an, iddoo sanatti ni fayyifamu; Waaqayyo deebisee itti isaan fayyisuudhaaf humna qaba. [24]Ati inni muka ejersa diidaattii dhalattee, isa irraa muramtee, muka ejersa qe' ee isa akka uumamaatti sittii gargar ba' etti, kan fayyifamte erga taatee, hammam caalaatti warri ittii dhalatan kun deebi'anii muka isaaniitti haa fayyifaman ree!**

**11:17 "yoo"** yaadannoo 11:12-24 ilaalaa

▣ **"damoota sana keessaa kaan irraa caban"** kun Israa'eloota amantiin ala jiran agarsiisa (lak 18, 19) dame uumama" lak 21)

▣ **"ejersa diidaa"** kun amantoota Ormaa wangeelaaf deebii kennan agarsiisa.

▣ **"ittifayyadamteetta"** Phaawuloos dubbi qonnaa lak 16 keessatti jalqabe ittuma fufe Ejersa diidaa dameesaa fuudhanii muka jiraataatti hodhun bu'aa akka fooyyeffatu taasisu lak 24)

▣ **"muka ejersaa"** kun fakkeenya saba Israa'el (lak 24; Fars 52:8; 128:3; Erm 11:16; Hos 14:6) kun dubbii Phaawuloos isa ittin walitti dhufeenya yihudootaafi Ormoota gidduu jiran agarsiisu yaale isa yeroo lammataati.

**11:18 "damoota sanatti ofiin jajiina"** Lak kanaafi lak 13, 20, 25 yihudootaafi Ormoota gidduutti waldaan Roomaa akka rakkoo qabdu agarsiise.

**11:9-20** lak 19 ga'iinsa Biroodha. (mormitu tilmaamaa) Phaawuloos maaliif yihudoonni akka didaman ibsa. Sababa al amantummaaf malee waan Ormoonni caalaatti jaalatamaniif miti. Ormoonni kan dabalamani, jaalala Waaqayyoo (Uma 3:15) fi amanti isaaniiti. Sababa hinaaffaas yihudonni gara Waaqayyoti akka deebi'an taasiseera (lak 11, 14)

**11:20**
**KQSAH** **"ati garuuu amantii qabachuu keetiin jabaatte dhaabbatta"**
**KJHH** **"amantiin jabaatee dhaabbatta"**

**KQSHH "karaa amantiin qofa jabaatte dhaabbata"**
**TIV "wayita iddoorra turtu, sababni kee amantidha"**
**KQJ "yoo jabaatte dhaabbate, galata amantii keeti"**

Kun (perfect active indicative)dha Waaqayyo dura dhaabbachuun keenyaafi itti fufuun amantiidhaani. Yoo amantiin qabatu, ejjennoon keenya qabata. Fayyinni (1) deebii amantii jalqabaati. (2) amantiidhaan ta'uudha (3) amantiin jiraachudha. Xumura amantiin gad jechuudha. Caasaa xin amantii kamu dhugaa kana keessa tokkotti xiyyeeffatu irraa of eeggadha. Mata duree addaa 10:4 ilaalaa.

Waaqayyo barreessaa, kaka'umsa, waraafi tasgabsiisaa fayyinaati garuuu kakuu akkinanidha. Sanyin namaa cubbamoonni qalbii diddirannaafi amantiiti sadarkaa hundattu akk qabaatan filate.

▣

**KQSAH "sodaadhaan eeggadhu malee waan gudda ofin jehin"**
**KJHH "of hin guddisin, garuuu sodaadhu."**
**KQSHH "hin booniin, garuuu dammaqinaan dhaaphu"**
**TIV "ittin of hin jajiin, garuuu saalfadhu"**
**KQJ "si saalfachiisuu malee sin boonsuu hin qabu"**

Himoonni kun lameenu (perfect active indicative) dha. Inni duraa bitaadha. Hojii itti jirtu dhaabi kan jedhu. Rakkoo waldaa Roomaa tuqa. Sababni sodas tuqameera. Lak 21.

**11:21 "Sis hin qusatu"** Akkuma Israa'elonni Waaqayyootti bulu didanii YHWH irraa gargalanii al amantoomaan boonanii irraa citan, akkanuma waldaanilee yoo amantii karaa kiristoosin hin taane qajeelummaa ofiiniifi boonaan irra cittii jechudha.

Amantiin jalqabaa biddiqa jireenya amantiin hordofamu qaba (Matt 13:1-23; Marq 4:1-12; Luq 8:4-10). Boonni itti fufinsaan faccifamu qaba. Nuyi ayyaana Waaqayyoo ?dha Warra Kiristoosin amanan hundumaan obboleeyyan!

**11:22 "gaarummaafi humna Waaqayyoo"** Waaqayyo yeroo hundumaa faallaa warra kufanii fakkaata (Isa 55:8-11). Filannoo keenyaaf namaatti bitooma hin qabu. Filatamuun saba Israa'el fayyina namootaa hin waboomu.

▣ **"yoo gaarummaa isaatti jabaatte"** kun (third class conditional sentence) dha kun itti fufinsi amantoota Ormaa haaloma qabaachu agarsiisa (kun birmadumooma Waaqayyo Rom 9ti) Amanti keenya haaromfachuuf dammaqu qabna. (Filp 2:12-13) kun dhaamaatii gareefi dhuunfaa agarsiisa. (Gal 6:9, Mul 2:7, 17; 3:6, 13, 22) kun iccitiifi muddama gareefi dhuunfaa kitaaba qulqulluu keessaati. Yaadni lameenuu (amala Waaqayyoo irratti hunfaa'ee) fi kakuun haalaa (deebii namoota irratti bu'uraa'e) ni jiru. Mataduree addaa barbaachisa dhamaasuu 8:25 ilaalaa.

**11:23** lakkoofsi kun akkina xinamantiifi seerluga lak 22 faanessa. Yoo yihudonni qalbi diddiratanii amanan itti ni makamu. Yoo Ormoonni amanu didan, ni gatamu (lak 20) Amantiin jalqabaafi itti fufinsa karaa Kiristoos lameenifuu murteessitootadha.

**11:25-32**
**25Nutu gargar baasee hubate akka isin hin jenneef, dhoksaa dhugaa kana akka beektan nan barbaada, yaa obboloota koo! Innis immoo, mata-jabinni Israa'el keessaa gar tokkotti dhufe, hamma warri saba Waaqayyoo hin ta'in guutummaatti saba isaatti dabalamanitti malee, isaan irratti hin hafu. 26Israa'elis guutummaatti ni fayyifama; caaffanni qulqullaa' aan waa' ee isaatiif, "Inni furu Xiyoonii ni dhufa, Waaqayyo malee jiraachuus sanyii Yaaqoob keessaa ni baasa"; 27akkasumas, "Yeroon cubbuu isaanii isaan irraa fuudhu, kakuu koo kana isaaniif nan dhaaba" ni jedha. 28Wangeela tuffachuu isaaniitiin Yihudoonni sababii keessaniif jedhanii akka diina Waaqayyootti ni ilaalamu; fo'amuu isaaniitiin garuuu sababii abbootaaf jedhanii Waaqayyo duratti ni jaallatamu. 29Kennaan Waaqayyoo, waamichi isaas hin geddaramu, 30isin kanaan dura Waaqayyoof abboomamuu diddanii turtan; amma garuuu warri Yihudootaa abboomamuu waan didaniif araara Waaqayyoo argattaniittu.**
**31Akkasuma immoo araara isa is ni argattaniin, isaanis araara argachuudhaaf amma Waaqayyoof abboomamuu didan. 32 Waaqayyo sanyii namaa hundumaaf araara kennuuf jedhee, namoota hundumaa abboomamuu diduu jalatti boojisiise.**

**11:25 "dhoksaa dhugaa kanaa akka beektan nan barbaada. yaa obboloota koo"** kun akka dubbii Phaawuloos baramtedha (1:1; 1Qor 10:1; 12:1, 2Qor 1:8; 1Tas 4:13) Marii barbaachisaa kaachisa. Akkuma "Ameen, Ameen" Yesuusi jalqaba irratti fayyada. Phaawuloos yaada haarawaa ittin kaachisuuf itti fayyadama.

▣

**KQSAH, KJHH**
**KQSHH "dhoksaa"**
**TIV "icciitii dhugaa"**
**KQJ "sababa dhokataa hunda kanaa"**

**MATDUREE ADDAA : ICCIITII**

Waaqayyo akkee gumaa'aa fayyina sanyi namaa isa kufaatiisaa dursu qaba ture (Uma 3). Fiixeen karoora kanaa Kakuu Moofaa keessatti (Uma 3:15; 12:3; Ba'u 19:5-6 fi dubbisa raajoota hunda) tuqameera. Haa ta'uuti ajandaan kun guutunsaa ifa miti. (1Qor 2:6-8) dhufaatii yesuusiifi afuuraan deebi'ee beekkamaa ta'e. Phaawuloos jecha "iccitii" kana karoora qalbi diddiranaaf ittin ibsuuf fayyadame. (1Qor 4:1, Efs 6:19; Qol 4:3; 1Xim 1:9) Haa ta'uuti. Miira hedduun fayyadame.

1. akka ormoonni dabalamaniif Israa'eloota haooche. Hojiin Ormoota makuu kun toftaa ittiin yihudoonni raajii Kiristoos raajame akka fudhataniif ta'edha. (Rom 11:25-30)
2. Wangeelli sabichi akka beeku taasifame, warra gara Kiristoosittiifi karaa Kiristositti dabalameef (Rom 16:25-27, Qol 2:2)
3. Qaama amantoota haarawaa dhufaatii lammesso (1Qor 15:5-57; 1Tas 4:13-18)
4. Wanti hundi Kiristoosin walitti ida'amu (Efs 1:8-11)
5. Ormoonniifi yihudonni waliin dhaaltoota ta'u (Efs 2:11-3:13)
6. walitti dhiyeenyi Kiristoosiifi waldaa bifa gaayilaan ibsame (Efs 5:22-33)
7. Saba kakuufi afuuraan cuuphamanitti dabalamuun Ormoota bilchina Kiristoosin fakkaachuutti, sunis, namoota kufan keessatti gaadiduun Waaqayyon walfuudhu deebisa (Uma 6:5, 11-13; 8:21) akka dhaabbatu godha (Uma 1:26-27; 5:1; 9:6; Qol 1:26-28)
8. Farrooota Kiristoos bara dhumaa (2Tas 2:1-11)
9. Gulaaliin iccitii waldaale ganamaa 1Xim 3:16 keessatti argama.

▣ **"nutu gargar baasee hubate akka isin hin jenneef"** Asittis fiixeen muddamaa waldaa Roomaa Birooo jira (lak 18)

▣

**KQSAH "Israa'eloota irratti hadoochuun muraasni ta'eera."**
**KJHH "hadooddin walakeessi Israa'eloota irratti ta'e"**
**KQSHH "Israa'eloota walaka irratti hadoochutu ta'e"**
**TIV "gufachuun Israa'eloota dhaabbaataa miti"**
**KQJ "cinaachi Israa'eloota tokko ni jaame"**

Hamni kun boqonnaa 11 hundatti firooma qaba. Yihudonni muraasni ta'aniiru itti fufinsaanis ni ta'u. Jaamuun muraasaa Waaqayyoon taasifame (lak 8-10) innis sababa yesuusiin didanii, karoora Waaqayyootti hundan qalbii diddiirutti ta'an. Waaqayyo fayyina hundaaf abdachiise. (Uma 3:15) Abrahaam hunda akka gahu filatee (Uma 12:3) Israa'el hunda akka gahu filate? (Ba'u 19:5-6) Israa'el ergmashee, boonuuniifi al amantummaan bahachuu dadhabde. Waaqayyo Ormoota karaa eebba Israa'el gahuu barbaade (Deb 27-29) Israa'el kakuu eegu hin dandeenye, kanaafu, murtoon Waaqayyo irratti jige. Waaqayyo murtii kanaan karoora isaa qalbii diddiree fayyisuus itti fayyadame karaa amantiidhaan. (lak 30-31, Hizq 36:22-38)

▣ **"hamma warri saba Waaqayyoo hin ta'iin guutummaatti saba isaatti dabalamanitti"** jechi walfakkaataa (pleroma) lak 12 keessatti yihudootaaf fayydameera. Lakkoofsi lameenu durbeekuufi filannoo Waaqayyo agarsiisu. Jechi "hamma" jettu daangaa yeroo Ormootaa (Luq 21:24) agarsiisuufidha.

▣

**11:26 "isaan irratti hin hafu"** carraa hiikkaa lamatu jira (1) kun saba Israa'el agarsiisa. Yihudoota dhuunfaan odoo hin taane irraa caalmaa iddoo tokkottidha (2) gama kaaniin Israa'eloota afuuraa, waldaa agarsiisa.

Phaawuloos yaada kana Rom 2:28-29; Gal 6:16, 1Phex 2:5, 9; Mul 1:6 keessatti dhimma baheera. "Waraabbiin guutu yihudootaa" lak 12 fi "Waraabbiin guutuu Ormootaa" lak 25 keessaa walitti dhufeenya cinaayinaa qabu. "Hundi miira filannoo Waaqayyoon malee miira matayaan miti kakuun muka ejersa gaaf tokko ni guutama.

Ibsitoonni muraasni kun saba Israa'el agarsiisaa sababnisaa (1) yaada boqonnaa 9-11; (2) Kakuu Moofaa lak 26-27 keessatti warbaamu; (3) dubbii xaliiya lak 28 keessaati jedhu. Waaqayyo ammallee sanyiin Abrahaam akka fayyu jaalalaafi fedha qabaaf. Amantii Kiristoos keessan akka dhufanis ni dirqa (Zak 12:10)

Gaaffiin waa'ee Israa'eloota "hadoochamanii" carraa dhumaa deebii kennu danda'uusaanii kallatti kanaanis ta'e akka Biroo on wanti ibsame hin jiru. Nuyi akka Ameerikummaatti wantoota dhuunfaa gaafachuu aadeeffanneerra. Garuuu kitaabni qulqulluu gamtaa waliigalaatti xiyyeeffata. Gaaffileen akkana Birooo Waaqayyoof dhiifamu. Inni uumama isaatti isa jaalatutti qixa.

▣ **"akka caafamett"** kun waraabii lameen Septuagint Isa 59:20-21 (lak 26) fi 27:9 (lak 27) agariisa. Toftaan fayyinaa Yesuus masiitti amanudha. Karoorri B hin jiru, A malee, karaan fayyina tokkuma. (Yon 10:7-18; 11:25-29; 14:6)

**11:27** Isaayyaas 27:9 inni lak 27 keessatti warbaame, deebi'ani ijaaramu Israa'elootaa lafa kakuutti (lak 1-11) fi afeeraa gara diinoota duriitti (ormoota) wajjinitti waliin maka (lak 12-23) yoo ijaaramuun kun barreeffamummaa ta'e barkumni raajii kana dhugoomsa. Yoo fakkeenya ta'e, kakuun haarafni icciitiin wangeelaa, inni yihudoonniifi Ormoonni amanti masii Waaqayyoon itti tokkooman galmadha (Efs 2:11-3:13), Murtoof rakkisaadha. Raajonni Kakuu Moofaa muraasni waldaa irratti ta'aniiru. Ammallee Waaqayyo kakuusaaf inni amanamaadha, yeroo namoonni hankaa kan ittile (Hizq 36:22-36) 11:28 lakkoofsi kun haala lakkuu filanno agarsiifti. (1) Kakuu Moofaa keessatti filannoon tajaajilaafi, Waaqayyo meeshummaa namoota qalbii diddirannaa namootaaf fayyadame. (2) bara Kakuu Haaraa wangeelaafi fayyina bara baraa walin hidhata. Fayyinni namootaa hundaa fakkeenya Waaqayyoon ta'e galmadha (Uma 3:15)

Waaqayyo kakuu isaaf amanamaadha. Kun amantoota Kakuu Moofaa fi quqlulloota Kakuu Haaraa dhugaadha. Furtuun amanamuu Waaqaati malee kan namootaa miti, araara Waaqayyo malee gocha namootaa miti. Filannoon akeeka eebbaafi malee qooddiif miti.

▣ **"sababii abbootaaf jedhanii Waaqayyo duratti hin jaalatamu"** kun abdi Ba'u 20:5-6ti. Deb 5:9-10 fi 7:9ti. Sababa labata darbee maatiin ni eebbifamu. Israa'eli sababa jaarsolii amanamoo eebbifaman (Deb 4:37, 7:8, 10:15). Masiin yihudaa keessaa dhufuun abdii Daawitiif kennamedha. (2 Sam 7) Haa ta'uti, warrumti amanamoonille seericha guuttachu dadhabuunsaanii hubatamu qaba. (Hizq 36:22-26) Amantii .. amantii dhuunfa,a amantii maatii, garuuu amantii qixaa miti .. Waaqayyo biratti fudhatamaafi karaa maatis darbuu kan danda'udha. (1Qor 7:8-16)

**11:29**
**KQSAH, KJHH**
**KQSHH "kennaafi yaamichi Waaqayyo hin geddaramu"**
**TIV "Waaqayyo warra filateefi eebbisa irraa hin garagaalu"**
**KQJ "Waaqayyo kennaa ykn filanno isaa deebise hin mulqu"**

Kun kennaa afuuraa dhuunfaaf kenname hin ilaallatu (1Qor 12) abdii Waaqayyo fayyinaaf Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa ti kenne malee. Filatamuun sirridha. Amanamuun Waaqayyoo abdi saba Israa'el (Mal 3:6)
11:30-32 Lakkoofsi kun qulaallii karooraafi akeeka Waaqayyooti. (1) yoo mara araara isaa irratti hundaa'u (yaadannoo 9:15-16 ilaalaa) malee murtoo battalaa miti. Yaada dheeraa kana keessatti jechi "araara" jedhu yeroo afuur tajaajila (9:15, 16, 18, 23) (2) Waaqayyo nama hunda murtootti fideera. Yihudonniifi Ormoonni cubbamaniiru. (3:9, 19, 23; 5:11) (3) Waaqayyo fedhaafi dadhabbina sanyi namaa hundatti akka carraa ittin araarasaa agarsiifannatti itti fayydama. (lak 22). Ammas jechi "hunda" jedhu ifaa lak 12 fi 25-26n ilaalamu qaba. Namoota hundatu afeerraa Waaqayyoof deebii kenna miti, garuuu hundinuu qalbii diddirranna keessatti amatamaniiru. (5:12-21; Yoh 3:16) Oh Yaa Waaqayyo, ta'innaa laata!

**11:33-36**
**33 Badhaadhummaan araara Waaqayyoo hammam guddata!Ogummaan isaa fi beekumni isaa hammam gad fagaata! Akka inni itti murtoo godhu, namni qoree bira hin ga'u!Karaa isaas namni faana dha'ee hin hubatu! 34 Caaffata keessatti iyyuu,"Eenyutu takkaa yaada garaa Waaqayyoo beeka ree?Yookiis eenyutu**

**gorsa kennuufii danda'e ree? [35]Eenyutu waa isaaf kennee beeka ree? Eenyutus waa isa dubbifata ree?"kan jedhu caafameera. [36]Wanta hundumaa Waaqayyotu uume; wanti hundumtuu isaan ni jiraata;wanti hundumtuu isaaf ni jiraata;bara baraan isaaf galanni haa ta'u! Ameen"'!**

**11:33-36** kun jechoota galataa Phaawuloos osoo itti hin yaadamiin darbatu keessaa dinqisiisa tokkodha. Phaawuloos karaa Waaqayyoon guutama, kakuu amanamummaa, kakuu makamu kakuu raawwatamuu.
11:33 "Badhaadhummaa" kun dabbii Phaawuloos jaalatudha (2:4; 9:23; 10:12; 11:12, 33; Efs 1:7, 8; 2:7; 3:8, 16; Filp 4:19, Qol 1:27) Abdiin namootaafid hugaan wangeelaa ammuu araara Waaqayyo amalaafi karoora isaati. (Isa 55:1-7)

▣ **"akkatti murtoo godhu, namni goree bira hin gahu! Karaa isaas namni faana dhahee hin hubatu."** Kun jecha galataa sirrii dhugaa boqonnaa 9-11 keessaaf faallaadha. (Isa 55:8-11)

**11:34** Kun waraabbii Septuagint Isa 40:13-14ti iddootti Waaqayyo saba isaa kooluu irraa deebisee fayyiseeti. 1Qor 2:16 keessatti Phaawuloos waraabii walfakkaataa qaba garuuu jecha "Gooftaa" jettu Yesusitti deebisa.

**11:35** kun waraabii laaftuu Iyyoob 35:7 ykn 41:11ti.

**11:36 "wanta hundumaa Waaqayyotu uume, wanti hundumaa isaan jiraata, wanti hundumtuu isaa jiraata."** Guutoon kun asitti Waaqayyo Abbaa agarsiisa. (1Qor 11:12) garuuu dubbisa Kakuu Haaraa Waaqayyo ilmaa agarsiisaniinis ni fakkaata 1Qor 8:6; Qol 1:16, Ibr 2:10) Phaawuloos wanti hundi Waaqayyo irraa bahee Waaqayyootti deebi'uu mirkaneesse.

▣ **"bara baraan isaan galanni haa ta'u"** kun amala eebba Kakuu Haaraa ayyaana irraati. Kan agarsiisus (1) takka tokka Abbaa (16:27; Efs 3:2; filp 4:20; 1Phex 4:11-6:11, Yih 25; Mul 5:13; 7:12) fi (2) takka takka ilma (1Xim 1:17; 2Xim 4:18; 2Phex 3:18, Mul 1:16) yaadannoo guutuu 3:23 irra ilaaladha.

▣ **"Ameen"** mataduree addaa 1:25 ilaalaa.

**Gaaffilee Mariidhaa**
Kun ibsituu qajeelcha qo'annaati. Kun jechuun ati hiikkaa kitaaba Qulqulluu keetiif itti gaafatamoodha. Hundi keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni Qulqulluufi afuurri qulqulluu hiikkaa keessatti dursa qabdu. Kana ibsaa wajjiin walitti laaquu hin qabdu.
Gaaffiileen marii kunneen akka dhimmoota ijoo ta'an yaada kitaabichaa irratti akka yaadduuf akka si gargaaraniifidha. Akka ilaalcha daddamaqsaniifi malee hiikkaa kennuuf miti.

1. Israa'eeloonni akkamitti karaa fayyina Waaqayyo dhabani?
2. Waaqayyo Israa'eloota akka hin didne sababni lameen Phaawuloos dhiyeesse maalfa'a turee?
3. Maaliif Waaqayyo laphee yihudootaa hadoochee? Akkamitti?
4. Yaadni "harcaatuu" yihudootaa jedhu maal jechuudhaa?
5. Jecha icciitii jedhu Kakuu Haaraa keessaa ibsi.
6. Lak 11:26 maal jechudhaa? maaliifuu? Akkamitti ammooo 9:6ti firoomu danda'aa?
7. Phaawuloos akkeekkachisa maal amantaa Ormaa akeekkachiisee (lak 17-24)?

# ROOMAA 12

| HIRAMSA BUUFATA HIIKKAA HAMMAYYAA | | | | |
|---|---|---|---|---|
| **YBS[4]** | **KJHH** | **KQSHH** | **TIV** | **KQJ** |
| Lubbu haarawaa Kiristoosin | Waaqayyoof aarsa ta'an jiraachuu | Jireenya warajoo | Jireenya tajaajilaa Waaqayyoo keessaa | Sagada afuuraa |
| 12:1-2 | 12:1-8 | 12:1-2 | 12:1-2 | 12:1-2 |
| | | | | Gad jechuufi garaamumaa |
| 12:3-8 | | 12:3-8 | 12:3-8 | 12:3-8 |
| Seera jireenya kiristaanummaa | Akka kiristaana of gochuu | Gorsa garaa | | Diinalle dabaaltee hundaafu garraamachuu |
| 12:9-21 | 12:9-21 | 12:9-13 | 12:9-13 | 12:9-13 |
| | | 12:14-21 | 12:14-16 | 12:14-21 |
| | | | 12:17-21 | |

**MARROO DUBBISAA SADII (viii ilaal)**
*(FEDHA BARREESSAA KA'UMSAA SADARKAA BUUFATAATTI HORDOFUUN)*

Kun ibsituu qajeelcha qo'annaati. Kun jechuun ati hiikkaa kitaaba Qulqulluu keetiif ittigaafatamoodha. Hundi keenya ifaa qabnuu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni Ququlluufi afuurri quqlulluu hiikkaa keessatti dursaa qabdu, kana ibsaa wajjin walitti laaquu hin qabdu.

Boqonnicha gadtaa'umsa tokkoon dubbisi. Dhimmicha addaan baafadhu. Hiramsa dhimma kee hiramsa hiikkaalee shaman irra keessa jiran wajjiin wal cina qabii madaali. Bufanni afuuraahun miti garuuu fedha barreessichaa ka'umsa hordofuu, isa handhuura hiikkaadhaaf furtuudha. Buufanni hundi dhimma tokkoofi tokko qaba.

1. **Buufanni duraa**
2. **Buufanni lammataa**
3. **Buufanni sadaffaa**
4. **kkf.**

**Ilaa Qabiyyee lak 1-8**

A. Kun kutaa Roomaa isa dhugoome (12:1-15:13) agarsiisa. Ergaan Phaawuloos irra guddeessi ragaa haal yerooti. Kanaafu, lameen doktiriinaafi hojumaataa qabatanii jiru. Phaawuloos rakkoolee gandaa ykn balaa agarsiisuu barbaada. Roomaa 1-8 gulaalli akkuma kanaati. Kutaan raamusaafi hojumaata humna wal qixaa qabatan jiru.
B. Xinamantiin biddiqa jireenyaan alaa kan Waaqayyo miti. (Matt 7:24-27; Yoh 13:17; Rom 2:13; Yaq 1:22, 25; 2:14-26) Phaawuloos fayyina tola Waaqayyo karaa Yesuusitti amanuun barsiisa; garuuu tolli kun jechuu isa jireenya keenya guutuman jijjiiru jechudha! Fayyinni tola, garuuu Kiristoosin fakkaachuu faana'uu qaba.
C. Lakkoofsi 1-2 kutaa hujumaataa hundaaf seensa uuma. Jireenya hafuuraan durfamuuf bu'uura. (S.S. boqonnaa 8)
D. Lakkoofsi 3-8 kenna afuuraa kaasa. Ija qabeessummaan waliigalaa Kiristoositti tajaajila Waaqayyooti. (Deb 6:4-5; Matt 22:37) fi Ormootaaf (Lew 19:18; Matt 19:19). Kenni kun Kiristoositti tokkomnee kenna keenyaan addaddomuu kan agarsiisudha (Efs 4:1-10). Amantoonni gamtoomaafi malee

walfakkoomaaf kaka'u hin qaban. Nuyi waltajaajiluuf Waaqayyoon hidhanne. (1Qor 12:7, 11; Efs 4:11-13)!

**QO'ANNOO JECHAAFI GAALEE**

**12:1-2**
**[1]Ammas yaa obboloota ko, araara Waaqayyoof jedhaa tii namummaan keessan qulqullaa' aadhaa fi Waaqayyo duratti fudhatamaa akka ta'utti, aarsaa jiraatu gootanii akka isa dhi'eessitan isin nan gorsa; akkasittis hafuuraan Waaqayyoof ni sagaddu. [2]Fakkeenya jireenya bara isa darbu kanaa duukaa hin bu'inaa! Jaalalli Waaqayyoo isa kam akka ta'e gargar baasuudhaaf, yaada garaa keessanii haareffachuudhaan of diddiiraa! Jaalalli Waaqayyoo immoo waan gaarii ta'e,waan isa duratti fudhatamaa ta' e, waan akeeka isaa fiixaan baasus hubachuu dha.**

▣ **"kanaafuu"** jecha kana Phaawuloos cehumsa dhugaa wangeelaa barbaachisaa ta'an kitaaba Roomaa keessatti fayyadama. 5:1 keessatti "qajeelummaa amantiin" jedhu ittin dhimbiibe. 8:1 keessatti walitti dhufeenya amantootaafi cubbuu ittiin dhimbiibe, quqlulleessu jechudha; 12:1 keessatti moo hojumaata qajeelummaati quqlullummaa amantoota guyyuu keessa walitti firoomse.

**12:1**
**KQSAH "isin nan gorsa"**
**KJHH "isinin gorsa"**
**KQSHH, TIV "isiniin gaafadha"**
**KQJ "isiniin kadha**

Guutoon kun jabaafi rifaasisadha. Yaamicha jireenya qixaati. Phaawuloos irra deddeebi'e jecha kanaan fayyadama. (12:1; 15:30; 16:17; 1Qor 1:10; 4:16; 16:15; 2Qor 2:8; 5:20; 6:1; 10:1; 12:8; Efs 4:1; Filp 4:2; 1Tas 4:10 1Xim 1:3; Film lak 9-10)

▣ **"yaa obboloota koo"** Phaawuloos jecha kana yaada haarawa ittin ibsuuf fayyadama.

▣ **"araara Waaqayyoof jedhaati"** LXX keessatti kun huruursaa amala Waaqayyoo agarsiisa (Ba'u 34:6) Asitti dagaagina doktiriina boqonnaa 1-11 jiru agarsiisa. "Araara" jecha jedhu irratti Roomaa keessatti xiyyeeffannoon ni jira (lameen oikieCro fi eleeo) (9:15, 16, 18, 23: 11:30, 31, 32; 12:8; 15:9). Sababaa ayyaanniifi araarri Waaqayyoo tola dhiyaate, amantoonni jireenya Waaqumma (Efs 1:4; 2:10) fedha garaan odoo hin taanee kabajaan jiraachu qaban (Efs 2:8-9).

▣ **"akka dhiyeessitan"** Kun jechoota aarsaa hedduu keessa tokkodha; aarsaa, lak 1; quqlulla'u, lak 1; fudhatamu, lak 1. Yaadni walfakkaataan akkanaa 6:13, 16, 19 keessatti ibsameera. Namoonni Waaqayyoo ykn seeyxaanaaf of kennuu. Akkuma Kiristoos fedha Abbaa hojjechuuf of kenne, hanga fannifamutti jiru, hordoftoonni isaas jireenya of dhaba isaa faanayu qaban (2Qor 5:14-15; Gal 2:20; Yoh 3:16)

▣ **"namummaa keessan"** kiristaanummaan falaasama Giriikota hedduu irraa isa qaama namooma amajaajii godhu irra fagoo jira. Qorumsa garuuu haamileen walaba. Jechi "anmooma" jedhu "sammuuf cinaayina lak 2 keessatti Amantoonni guutummaa namooma isaanii Waaqayyoof aarsuu qabu (Deb 6:5; 1Qor 6:20) akkuma duraan cubbutti galan sanatti (Rom 6).

▣ **"jiraataa"** Inni kun aarsaa yihudoota ykn waqmaleeyyota du'aaa aarsanii irra adda (6:13; Gal 2:20)
Of gatuu irraas adda bahuu qaba (qaama akeeka amantiif jecha gidirsuu). Dhaqna adda baasuun, adabuu ykn dararuu miti kan barbaadamu, jireenya tajaajila dammaqaafi jaalala Kiristoosin fakkaachuuti.

▣ **"aarsaa quqlullaa'aa"** jechi "qulqulluu" jedhu "Waaqayyoo adda bahuu" jechudha. Xiyyeen jecha kanaa addanati amantootani akeeka Waaqayyoo adda bahuufi argamu mul'isuufidha.

**MATADUREE ADDAA: QULQULLUU**

**I. Itti fayyadamni kakuu Moofaa**

A. hiddi jecha (kadosh) ifaa miti, kan warra kana'an ta'uu hin oolu. Feetu hidda (S.S, Kd) ta'u hin didu. Innis "gargar hiruu" jechudha. Kun hiikkaa beekamadha. "adda bahe. (aadaa kana'anootarra) Deb 7:6, 14:2, 21; 26:19) hojii Waaqayyoof.

B. Wanoota addaa, iddoo, yeroofi namaa walitti fida. Seera uumaa keessa hin jiru garuuu Ba'u, Leewii fi lakkoofsa keessatti beekkamaadha.

C. Barruu raajootaa (kkeessattu Isaayaasiifi Hosee) keessatti wantoonni dura dhuunfaa turan, amma hin jiran hin dhufan. Karaa ittiin keessa dubbii Waaqayyo iddo itti godhan ta'e. (Isa 6:3) Waaqayyo qulqulluudha, maqaan Isaa amala qulqullummasaa agarsiisa. Sabni isaa amala isaa addunyaa Isa barbaadutti mul'isuuf jedhan qulqulloota (yoo kakuu san amantiin raawwatan)

D. Araarriifi jaallalli Waaqayyo kallatti yaada xinamantii kakuu, qjaleelaafi amala barbaachisaan kan adda hin baanedha. iddo kanatti muddamni Waaqayyo warra hin qulqulloofne, kufaniifi ganan irratti ta'a. Dubbiin bareeduun tokko dhimma walitti dhufeenya Waaqayyo keessatti akkamni "araara qabeessa" fi Waaqayyo akka "quqlulluu" ta'e kan agarsiisu kitaaba Robert B. Girdil Stoon, Synonyms of the Old Testament, ful 112-113 keessatti ni argama.

**II. Kakuu Haarawaa**

A. Barreessitoonni bara Kakuu Haaraa ilaalcha Ibroota warra qaban (Luqaasin ala) garuuu Giriikotaan kan booji'aman (S.S Septuagint) dhaalamnidha. Hiikkaa Kakuu Moofaa isa Giriikiitu jechoota isaan isaan to'ata malee hogbarruu, ilaalchaa ykn amantii Giriik baranetu isaan to'ata miti.

B. Yesuus qulqulluudha. Sababni isaas waan Waaqota keessaafi akka Waaqotaa waan ta'eefidha. (Luq 1:35; 4:34; HoE 3:14, 4:27, 30) Inni qulqulluufi qajeelaadha. (HoE 3:14, 22:14). Yesuus sababaa cubbu maleeyyi ta'eef qulqulluudha. (Yoh 8:46; 2Qor 5:21; Ibr 4:15; 7:26; 1Phex 1:19; 2:22; 1Yoh 3:5)

C. Waaqayyo waan quqlulluu ta'eef ijoolen isaa qulqulluu ta'uu qabu (Lew 11:44-45; 19:2; 20:7:26; Matt 5:48, 1Phex 1:16). Sababaa Yesuus qulqulluu ta'e hordoftonni isaa qulqulla'uu qabu. (Rom 8:28-29; 2Qor 3:18; Gal 4:19; Efs 1:4, 1Tas 3:13; 4:3; 1Phex 1:15) kiristaanonni akka fayyan kan godhame fakkeenya Kiristoosin akka tajaajilaniifidha.

▣ **"Waaqayyotti fudhatamaa"** kun aarsaa qixaa bara Kakuu Moofaa agarsiisa. (lak 2) kun yaada "komee dhabeessa" wajjin wal fakkaata. yeroo namoota agarsiisu (Uma 6:9, 17:1, Deb 18:13; Iyo 1:1)

▣

**KQSAH "hafuuraan Waaqayyoof ni sagaddu"**
**KJHH "tajaajila keessan quubsaa ta'edha"**
**KQSHH "sagada afuuraa keessanidha"**
**TIV "kun sagada dhugaa isin dhiyeessuu qabdanidha"**
**KQJ "karaa yaada bu'aa qabeessadha"**

Jechi kun (logikos) jecha logizomai jedhu irraa kan madde yoo ta'u hiikkaan isaas "sababeessuu" dha (Marq 11:31; 1Qor 13:11; Filp 4:8) yaada kanaan ammooo qalbeeffataa, nama qixaa jechudha. Garuuu jechichi miira "hafuuraan" isa jedhu akkuma 1Phex 2:2ti tajaajila. Keessi jechiichaa aarsaa dhugaa of dhiyeessuufi du'aa bineeldaa dhiyeessu giddu jirudha. Waaqayyoo lubbuu keenya jaalalaafi tajaajila isaaf ni barbaada. Karaa idileen jireenya guyyu hin dhibbaneedha.

**12:2 "dhukaa hin bu'iinaa"** Gocha darbe ammas ta'aa jiru dhaabsisuudha. Akkuma isa Filp 2:6-8 keessatti jijjiirama gara alaatti ta'u (schema, 2:8) fi gara keessatti hin jijjiiramne (morphe 2:6-7) giddu jiruu lak 2 wajjin fugginatu jira. Amantoonni akka addunyaa jijjiiramtu, caasaa kufaatii (bara moofaa ganiinsaa) faana hin buunee isa ammalle cinaachaan itti jiran irraa of qabani, garuuu gara karaa isa fakkeenya Kiristoositti (bara afuura haarawaa) jijjiiramatti akka dhufan gorfamu.

▣ **"addunyaa kanatti"** kun jecha "bara" jedhuufidha. Yihudoonni baroota lama argan (Matt 12:32; Marq 10:30, Luq 20:34-35) bara amajaajii ammaa kana (Gal 1:4, 2Qor 4:4; Efs 2:2) fi bara dhufuuf jiru (Matt 28:20; Ibr 1:3 1Yoh 2:15-17) ti. Amantoonni yeroo muddamaan guutame bara walitti dhufe kana keessa jiru. Sababa

lameenuu dhufaatii Kiristoos, amantoonni “bara ta’eefi ammalee” muddaa mootummaa Waaqayyo keessa akka ammaafi fulduraattiifi jiraataa jiru.

**MATADUREE ADDAA : BARA KANAAFI BARA DHUFU**

Raajonni Kakuu Moofaa bara dhufuu isa ammaan agarsiisu yaalu isaaniif fuldurri deebitee ijaaramuu Israa’el lafarraati. Haa ta’uuti, guyyaa harawaa arganiiran (Isa 65:17, 66:22). Dhaaltoota Abrahaamiin hanga ammaalee fedha guutuun YHWHn didamuun (boojuurra deebin boodallee) barruu mul’ata kakuu yihudoota haarawa akka ka’u ta’e (S.S 1 Henook, 4Izraa, 2Biruuk). Barroon kunneen baroota lameen gidduutti adda baasu eegalan: bara amajaaji amma seeyxaanaan bulfamuufi bara qajeelummaa dhufaa jiru afuuraan bulfamuufi Masiin hogganamu giddutti.

Naannoo xinamantii kanaa (bara dhumaa) wanti mul’ataan ni jira. xinamantoonni kana “mul’ata tarkaanfata ittin jedhu. Kakuu Haaraa dhugaa baroota lamaan kanaa ni mirkansa. (S.S dhaanquu Yeroomaati)

| **Yesuus** | **Phaawuloos** | **Iboorta** |
|---|---|---|
| Matt 12:32 | Roomaa 1:2 | 1:2 |
| Matt 13:22 fi 29 | 1Qor 1:20; 2:6, 8; 3:18 | 6:5 |
| Marq 10:10 | 2Qor 4:4 | 11:3 |
| Luq 16:8 | Gal 1:4 | |
| Luq 18:30 | Efs 1:21; 2:1,7; 6:12 | |
| Luq 20:34-35 | 1Xim 6:17 | |
| | 2Xim 4:10 | |
| | Tito 2:12 | |

▣ **“of diddiiraa”** Amantoonni dirqama diddiramu qaban, malee himamuu hin qaban. Bifti seerluga jecha kanaa “of diddiraa turuu” dha. kunis dhugaa “duukaa bu’uu” lak 2a keessaati. Fuggina walfakkaataaf Hizq 18:31 (gochaafi of kenaa namootaa) fi Hizq 36:26-27 (kenna humnaa) walibra qabaa. Lameenu ni barbaachisu.

Moggoon jecha kana “tolfamu” (Matt 17:2) diddirame Yesuus keessatti iddo eenyummaan dhugaa Isaa mul’ate jirutti hojjeteera. Humni dhugaan kun (2Phex 1:3-4) gara amantoota hundaatti darbuu qaba. (2Qor 3:18; Efs 4:13)

▣ **“yaada garaa keessanii haareffachuudhaan”** kun jecha Giriiki waan haarawaa (kainos) agarsiisudha; yeroodhaan haaroma miti. (chronos). Yihudootaaf arguufi dhagahuun hula lubbuuti. Namni waanuma yaadu ta’a. Fayyinaan booda, sababa afuuraan cuuphamu, amantoonni kallatti ilaalcha haarawaa qabaatu. (Efs 4:13, 23; Tito 3:5). Ilaalchi haarawaa kitaaba Qulqulluu kun, afuuraan cuphamu waliin, isa sammuufi biddiqa jireenya amantoota haarawaa jijjiirudha.

Amantoonni dhugaa karaa addaan hutabu, sabanisaas sammuun isaanii afuuraan waan guutameefidha. Sammuun dhiqame haarawaafi afuuraan geggeeffamu biddiqa jireenya haarawaa argamsiisa.

**MATADUREE ADDAA: HAAROMSAA (ANAKAINOSIS)**

Jechi Giriik kun bifa duraan (anakainoo, anakainizo) hiikka bu’uuraa lama qaba.

1. “wanni tokko akka haaromuufi adda ta’u taasiisuu (S.S gara fooyyinaati) Rom 12:1; Qol 3:10
2. “gara filatamaa duraaniitti deebisuu” 2Qor 4:16; Ibr 6:4-6) (lew fi Nidaa, Greek-English Lexicon, Jil 1, ful 157, 594 irraa kan fudhatamedha)

Moltaniifi Milliqaan, The Vocabulary of Greek Testament, kitaabni jedhu (S.S anakkainosis) jechi kun akka hog barruu Giriikoota keessatti Phaawuloosin dura akka hin argamne dubbata. Jecha kana innumti Phaawuloos akka gudunfuu hin oolle tilmaamam (ful 34)

> “Deebisanii kaasuufi haaromsuun Waaqayyo qofaafi. Anakkainosis, jechi “haaromsa” gochadha; kakuu haarawaa keessatti argama, haaromsa walirra hin cinne agarsiisa, akka isa Roomaa 12:2 keessaa. “Akkaataa diddirama sammuu keessaniitti diddiirama” 2Qor 4:16 “keessi namooma keenyaa guyyuu diddiirama” Qolaasiyaas 3:10 “nama haarawa” akka “nama isa fakkeenya isa uumeen beekomsaan haaromu” ilaallatu ibsa. Kanaafu nam haaromsa” gocha duraan kan deebi’e harkifatudha; itti fufinsaas gocha Waaqayyoo kennaafi waariisaa jireenya bara baraa qabaachu agarsiisa. (ful 118)

▣ **“jaalalli Waaqayyo moo waan gaarii ta’uu”** Jechi (dokinazo) jedhu hiikkaa “qoratan mirkansuu” jedhu qabata. Mata duree addaa 2:18 jalaa ilaalaa.

Fedhiin Waaqayyo karaa Kiristoos akka fayyina argannudha (Yoh 6:39-40) achis akkuma Kiristoositti jiraannudha (Rom 8:28-29; Gal 4:19; Efs 1:4; 4:13, 15; 5:17-18) Wabiin kiristaanummaa kaniinni bu’uraa’u.

1. abdii amanamaa Waaqayyoo irratti
2. afuura quqlulluu cuuphamuu irratti (Rom 8:14-16)
3. jireenya amantoota jijjiirameefi jijjiiramaa jiruu (Yaaqoobiifi 1 Yohaannis) irrattidha. “ija dhabeessa hidda haleessa” (Matt 13:1, 19-23)

▣ **“Jaalalli Waaqayyoo isa kam akka ta’e”** mata duree addaa itti aanee jiru ilaalaa

**MATADUREE ADDAA : FEDHA (thelima) WAAQAYYOO**
**WANGEELA YOHAANNIS**
- Yesuus fedha Abbaa gochuuf dhufe (4:34; 5:30; 6:38)
- gaafa dhumaa warra Waaqayyo Abbaan, Ilmaaf kenne kaasuudha (6:39)
- hundi Ilmatti akka amanu (6:29,40)
- kadhanni deebii argate fedha Waaqayyoo raawwachu waliin firooma (9:31 fi 1Yoh 5:14)

**WANGEELA SINOOPTIK**
- fedha Waaqayyo gochuun murteessaadha (Matt 7:21)
- fedha Waaqayyoo gochuun Yesuusiin obboleeyyan tokko nama godha (Matt 12:50; Marq 3:35)
- namu akka badu fedha Waaqayyo miti (Matt 18:14; 1Xim 2:4; 2Phex 3:9)
- Qaraaniyoon fedha Waaqayyo Yesuusiif qabu ture. (Matt 26:42, Luq 22:42)

**ERGAA PHAAWULOOS**
- bilchiinaafi tajaajila amantoota hundaa (Rom 12:1-2)
- amantoota bara amajaajii jalaa baraaruu (Gal 1:4)
- fedhiin Waaqayyo karoora lubbu bituudha (Efs 1:5, 9, 11)
- amantoonni jireenya afuuraan guutame jiraachuufi shaakaluudha (Efs 5:17-18)
- amantoonni beekomsa Waaqayyoon guutamuu (Qol 1:9)
- amantoota guutuufi qixaan taasisuu (Qol 4:12)
- amantoota qulqulleessuu (1Tas 4:3)
- galala kennuu amantoota waan hundaa irratti (Tas 5:18)

**ERGAA PHEEXROOS**
- amantoonni qajeela gochuu (S.S abbootii taayitaaf gad jechuu) fi gowwoota gab gochuu (1Phex 2:15)
- gidiraa amantootaa (1Phex 3:17; 4:19)
- jireenya ofittummaa amantootaa (1Phex 4:2)

**ERGAA YOHAANNIS**
- amantoota bara baraaf qabuu (1Yoh 2:17)
- kadhata amantootaa deebii argateef furtu (1Yoh 5:14)

▣ **“waan gaarii ta’eefi isa fulduratti fudhatamaa ta’e”** kun fedha Waaqayyo amantootaaf fayyina booda qabu kan agarsiisudha. (Filp 4:4-9) Galmi Waaqayyo amantoota hundaafu qabu bilchina Kiristoosin qabaidha. (Matt 5:48)

▣ **“sirri”** jechu kun jechuun “bilchina, guutuummaan hidhachu, hojii raawwachuu, gahuu, xumura, “Jechudha. Kun jechuun cubbuu dhabuu jechu miti. Kan fayyadus (1) harkaafi miila cabe dhinee tajaajilatti deebi’eeru. saaphan kiyyoo qurxummii tarsa’e deebi’ee suphamuun hojiirra oole. (2) micii lukkuu amma geessee (3) gabaa bahuuf qophoofteefi (4) bidiruu daakaaf qophooftedha.

**12:3-8**
**3Ayyaana isa anaaf kennameen namni waan yaaduun isaaf ta'u caalaatti akka of hin yaadne, tokkon tokkon keessanitti nan hima; garuuu adduma addaan akka amantii isaaf kennameetti akka ofilaaluun ta'uufitti, haa yaadu! 4Nuyi dhagna tokkotti bu'aa dhagnaa baay'ee qabna; bu'aan dhagnaa hundinuu immoo hojii adda addaa qabu. 5Akkasuma nus immoo utuma baay'ee taanee jirruu, Kristositti dhagna tokko; nuyis bu'aa dhagna walii ti. 6Akka ayyaana Waaqayyoo isa nuuf kennameetti kennaa garaa garaa**

**qabna; kennaan isaa waan Waaqayyo namatti ibsu dubbachuu yoo ta'e, akka amantichaa wajjin waliif galutti dubbachuu dha. [7]Kennaan keenya hojiidhaan nama gargaaruu yoo ta'e, hojiidhaan nama gargaaruutti ni jabaanna! Barsiisuu yoo ta'e barsiisichatti haa jabaatu! [8]Kennaan isaa nama gorsuu yoo ta'e, gorsuutti haa jabaatu! Inni namaaf kennu, garaa qulqulluudhaan haa kennu! Inni dura bu'us dhimmee haa geggeessu! Namni namaa oo'us fuula ifaadhaan haa hojjetu!**

**12:3** lakkoofsi 1-2 fedha "sammuu haarawaa" qillisa. Lak 3 keessatti jecha "yaadu" jedhu irratti lapha dacha afurtu jira. Kitaaba The Zondervan Study Guide Commentary, Romansi Biruus Korleey fi Kurtis Vughaan keessatti kan jira:

"Yaanni baayye jajame… yaada qixaa… yaada akeeka guutuu … yaada tasgabbaa'a" (ful 138) Amaleessuun kun ni gargaara.

Lakkoofsi kun, akkuma 11:13-24, (1) rakkina amantoota yihudaafi amantoota Ormaa waldaa Roomaa keessa jiru agarsiisa ta'a ykn (2) Phaawuloos kan inni Roomaa barreesse Qoronxoosi eegi deebi'ee (erga imala isaa isa sadaffaa booda) amantoota baalageefi afuuftuu wajjiin walargeen booda ta'a.

▣ **"ayyaana isa anaaf kennameen"** Ayyaanichi bara dur kan Waaqayyoon argamedha, darbeera (S.S isa daandi Damaasqoo qunnamedha). Yaada kana keessatti ayyaanni kenna afuuraan wal hidhata (15:15; 1Qor 3:10; 15:10; Gal 2:9; Efs 3:7-8) malee kenna qajeelummaati miti (Rom 4) kun dubbii Phaawuloos fi yaamicha ergaramuu gara Ormootaa ilaallata (HoE 9:15; Rom 1:15; Gal 1:15-16; 2:7-8; Efs 3:1-2, 8; 1Xim 2:7; 2Xim 4:17)

▣ **"tokkon tokkoo keessanitti ana hima"** akeekachisa lak 3 keessa kiristaana hundaafidha malee geggeessitootaaf miti.

▣ **"waan yaaduun isaaf ta'u caalaatti akka hin yaadne"** mataduree addaa ittifayyadama Phaawuloos jecha tishoo Huper 1:30 irra jiru ilaalaa.

▣ **"akka of ilaaluun ta'uufitti haa yaadu"** Amantoonni kennaa afuuraasaanii hin filatanii (1Qor 12:11; Efs 4:7) Afuuraan fayyina irratti argatu. (1Qor 12:7) kennaan afuuraa baajii araaraa nama gorsu odoo hin taane qoodaa tajaajilaa ittin amantoonni qaama Kiristoos, waldaa ittin tajaajilanidha.

▣ **"akka amantiitti"** kun dandeetti nama tokkooti kenna afuuraa tajaajilu danda'uu kan ifoomsudha. (lak 6) Fayyaalessa ta'uuf, kenni afuuraa firii afuraan argamuun shaakalamuu qaba. (lak 9-12; Gal 5:22-23) kenni kun isa hojii wangeelaa yesuus ergamoota gidduutti qoddamee yoo ta'u firiinsaa sammu kiristoosidha. Lameen hojii ga'insa qabuuf gaariidha.

**12:5 "nuyi, utuma baayyee taanee jirruu, kiristoositti dhaqna tokko"** kun gamtoomaafi garaa garooma amantoota boqonnaan jaalalaa 1Qor 13 garaagartee kennaa muddama keessa jirtuu haasa'a. (1Qor 12 fi 14) kiristaanonni dorgommii keessa osoo hin ta'in walfaanoma keessa jiru.

**12:6-8** lakkoofsi kun isa Giriik keessatti hima tokkodha. Yoo hiikkamu nam sadaffaa ta'a "mee ni fayydamna"

**12:6 "ayyaana … kenna"** jechi "kenna "Charisma" fi "ayyana" (charis) hidda jecha Giriik walfakkaataa "tola kennuu" jedhu qabu. yaadannoo 3:24 ilaalaa. Kenni afuuraa 1Qor 12; Rom 12, Efs 4 fi 1Phex 4 keessatti tarreeffameera. Gostisaaniifi tarreensaanii tokko miti, kanaaf bakka buutoota malee nuffisiisaa miti. Kitaaba Qulqulluu akkatti namuu kenna isaa addaan baafatu waan jedhe hinqabu. Dhimma kana irratti al Kitaaba Qulqulluu yaada kiristaanummaa kan ta'e barruulee "Affirming The will of God" jedhu keessatti argeera. Qajeelfamni wal fakkaataa fedha Waaqayyoo beekuun naannoo tajaajilaa bu'a qabeessarra bobbahu gargaara. Kanaan alatti amantoonni kennaa qabaachuu beekun akkamitti akka argatan ykn maal akka argatan beekuurra ni caala.

▣ **"yoo"** kun eite (lak 6, 7 si'a lama, 8) dha, yenna hiikkamu "yoo… yoo…" ykn "henna… henna…" ta'a. Lakkoofsa kana keessatti gochima hin qabu. (1Qor 3:22; 8:5; 2Qor 5:10)

▣ **"namatti ibsu"** kun raajummaa Kakuu Moofaa akka mul'ate ergaa Waaqayyo biraa wajjiin firoma in qabu. Bara Kakuu Moofaa raajonni ni barreessu turan. Bara Tg dhugaa Waaqayyoo labsuu ta'e. Dursani tilmaamuus ni dabalata. (HoE 11:27-28, 21:10-11) xiyyeeffannoon yaadu haarawa osoo hin taanee ergaa wangeela ifoomsuun hojumaatasaa agarsiisudha. Jechicha keessa dhangalaani ni jira. Gocha amantootaan shaakalamu (1Qor 14:1, 39) fi kenna afuura addaa ta'u (1Qor 12:28; 14:29; Efs 4:11) ni agarsiisa. Dhangalaasni kun ergaa Phaawuloos gara Qoronxoos keessatti ni mul'ata warra yeroo tokko barreeffaman keessatti (1Qor 12:10, 12; 13:8; 14:1, 5, 29, 39)

**MATADUREE ADDAA : RAAJII KAKUU HAARAWAA**

**I. Akka raajii Kakuu Moofaa miti, isa hiikkaa barsiisummaa qabaate YHWH biraa madduu miti (HoE 3:18, 21, Rom 16:26). Raajoota qofatu barreessa.**
   A. Muuseen raajummaan yaamame (Deb 18:15-21)
   B. kitaaba seenaa (Iyaasu-Moototа (Ruutin ala) "raajoota durii" jedhamani yamamu (HoE 3:24)
   C. Raajoonni iddo luboota gurguddo bakka bu'uun madda odeeffannoo Waaqayyorra ta'an (Isaayasi Milkiyaasiiti)
   D. Hiramsi qanoonaa Ibrootaa lammaffaa "raajoota" (Matt 5:17; 22:40; Luq 16:16; 24:25, 27: Rom 3:21)

**II. Kakuu Haaraa keessatti yaadichi karaa hedduun tajaajila**
   A. Raajoota Kakuu Moofaa ti qabatee ergaasaanii garsiisa (Matt 2:23, 5:12; 11:13; 13:14; Rom 1:2)
   B. Walfaanama irra caala ergaa dhunfaatti fulleeffatu (raajoonni Kakuu Moofaa Israa'el qofatti dubbatu)
   C. lameen Yohaannis cuphaa (Matt 11:9; 14:6; 21:26; Luq 1:76) fi Yesuus akka labsitoota mootummaa Waaqayyooti agarsiisa (Matt 13:57; 21:11; Luq 4:24; 7:16; 13:33; 24:19) Yesuus raajoota irra guddaa ta'uun ni tuqama (Matt 11:9; 12:41; Luq 7:26)
   D. raajoota Biroo Kakuu Haaraa keessaa
      1. jireenya Yesuus duraanii wangeela Luqaas keessaa (S.S yaadannoo Maariyaam)
         a. Elzaabeet (Luq 1:41-42)
         b. Zachaariyaas (Luq 1:67-79)
         c. Simoon (Luq 2:25-35)
         d. Hana (Luq 2:36)
      2. dubbii cigoo (Qayaafaa, Yoh 11:51)
   E. isa wangeela labsu tokkotti fulleffachuu (tarreeffama kennoota 1Qor 12:28-29; Efs 4:11 keessaati)
   F. kenna waldaa keessa amma jiru agarsiisa (Matt 21:34 HoE 13:1; 15:32; Rom 12:6; 1 Qor 12:10, 28-29; 13:2; Efs 4:11), kun darbee darbee dubartii agarsiisa (Luq 2:36; HoE 2:17; 21:9, 1Qor 11:4-5)
   G. kitaaba mul'ataa agarsiisa (Mul 1:3; 22:7; 10, 18, 19)

**III. Raajii Kakuu Haaraa**
   A. Akka raajoota Kakuu Moofaa raajummaa dadamaqsa hin kennan (S.S Kitaaba Qulqulluu) kunis sababa gaalee "amantii" (miira wangeela guutuun) HoE 6:7; 13:8; 14:22; Gal 1:23; 3:23; 6:10; Filp 1:27 Yihu 3, 20) keessatti dhimma baheen ni danda'ame.

Yaadni kun gaalee yihudaa 3 keessatti argamuun "isa duraafi isa dhumaaf amantiin dabarfame qulqulloota kenname" jedhun ifa ta'e. Amantiin "isa duraafi isa dhumaa" jedhu kan agarsiisu dhugaa, doktiriina, yaada, ilaalcha addunyaafi barsiisa kiristaanati. Xiyyeen dura kenname kun barreeffama Kakuu Haaraa daangaa Xinamantii bu'uura Kitaaba Qulqulluu ta'eera. Kunis barreeffamni sana boodaa ykn kan Birooon sana mul'isuuf akka hin gargaarre lafa kaa'eera. Kakuu Haaraa keessatti wanti baayyee walxaxaa hin mirkanoofneefi daalachaaye taa'eera, garuuu warri amanan amantiisaaniin wanni "barbaachisaa" hanga amantiifi shaakalaa ta'u dabalamee ifaan taa'ee Kakuu Haaraa keessa taa'ee jira jedhu. Yaadni kunis
**"revelatory triangle"** jedhu keessatti tuqamee jira

1. Waaqayyo seenaa yoomessaan of mul'ise (MUL'ATA)
2. Namoota muraasa gocha Idaa akka barreesaniifi barsiisan filatee (kaka'umsa)
3. Sammuufi laphee namoota barreeffama kana akka hubatan akka hiikkan miti, garuuu fayyinaafi jireenya kiristaana akka jiraataniif afuurasaa kenneef (ITTI'IBSE)

Qabxiin kanaa kaka'umsi barreessitoota Kitaaba Qulqulluu daangeeffame. Barreeffamni, mul'atni, ykn ergaan Biroo humna qabeessi hinjiru Qanoonaan cufameera. Waan Waaqayyoof deebisuu mallu dhugaa barbaachisaa guutuu qabna.

Dhugaan kunis waliigaltee barreesstootaa Kitaaba Qulqulluu fi wal dhibdee Waaqeffatoota Waaqolii gidduutti mul'ate. Barreessaan ykn dubbataan bara kanaa kamiyyuu geggeessummaa humna isa barreessitoonni Kitaaba Qulqulluu argatan kan qabu hin jiru.

B. Gama kaaniin raajonni Kakuu Haaraa fi Km walfakkeenya qabu
   1. Waan ta'uuf jiru tilmaamuuti (Phaw, HoE 27:22, Agabas HoE 11:27-28; 21:10-11, kan maqaan hin beekamiin HoE 20:23)
   2. Murtii labsuu (Phaw, HoW 13:11; 28:25-28)
   3. gocha fakkeenyaa ta'a ibsu (Agabas, HoE 21:11)

C. Dhugaa wangeelaa takka takka bifa tilmaamaan haasa'u (HoE 11:27-28, 20:23; 21:10-11) garuuu kun xiyyeeffannoo dura miti. Raajiin kitaaba Qoronxoos duraa keessaa kan wangeelaan wal argedha (14:24, 39)

D. Afuura yeroo sanii isa hojumaata dhugaa Waaqayyo haala yeroo haarawa, aadaafi yeroo mul'isudha (1Qor 14:3)

E. Bara waldaalee Phaawuloos ganamaa keessatti ho'itudha (1Qor 11:4-5, 12:28, 29; 13:29; 14:1, 3, 4, 5, 6, 22, 24, 29, 31, 32, 37, 39, Efs 2:20; 3:5, 4:11; 1Tas 5:20) Didache keessattis tuqameera (jaaraa duraa gara booda keessa ykn jaarraa lammataa gara duraa keessa hoggu hin beekkamne barreeffame) akkasumas Montaanizim jaarraa lammataafi sadaffaa kaaba Afrikaatti.

**IV. Kennii Kakuu Haaraa qabamee?**

A. Gaaffi kana deebisuun rakkisaadha? Akeeka kennaa ibsuun gaafficha ifa gochuu danda'a. Lallaba wangeela jalqabaa mirkansuufi moo ykn deemsa waldaa hojii wangeelaa ofiifi addunyaa baddeef labsiitudha.

B. Gaaffii kana deebisuuf seenaa waldaalee ilaallamu qaba ykn Kakuu Haaraa matumasaa ilaaldudha? Kakuu Haaraa keessatti kenni waan yeroon daangeeffame ta'uu wanti agarsiisu homtuu hin jiru, warri 1Qor 13:8-13 jiru kaasuun waan kana mormu barbaadan aangoo dubbicha dogoggorsu isa jaalala malee hundi ni darba jedhe mirkansu.

C. kana jechuuf nan qorama hanga Kakuu Haaraa, seenaa waldaa ala, aangoo qabeessa ta'eeti amantoonni kenni akka wal irraa hin cinne mirkansu qabu. Haa ta'uuti, aadaan akkanni hiikkaa hacuucuu danda'u nan amana. Wanti barreeffamaa if ata'e aadaa garii keessatti fudhatama hin qabaatu. (S.S dhunguu quqlulloolaa, uffata dubartoota waldaalee manaa kkf) eeyii aadaan barreeffama dhiibdee, seenaan waldaalee hoo maa dadhabaree?

D. Kun gaaffii cal'isee deebii argannedha. Amantoonni garii "qabamu" fi gariin "hin qabamu" labus. Iddoo kanatti, akkuma isa kaanii, lapheen amantootaa isa furtuudha. Kakuu Haaraa walxaxaafi aadaadha. Rakkinni murtoodha barreeffama isa kamtu aadaa/seenaadhaan gad qabamee isa kamtu moo jiraataadha jechu dadhabudha. (Fiifi Stuart Kitaaba isaanii How to Read the Bible for All Its Worth, ful 14-19 fi 69-77 ilaalaa) Asitti mariin bilisummaa fi ittigaafatamummaa Rom 14:1-15:13 fi 1Qor 8-10 keessa jrian murteessadha.
   1. Amantoonni hundi ifaa qabannii amantiisaaniin socho'uudha. Waaqayyo garaafi sochii keenya ilaala.
   2. Amantoonni hundi amantoota Biroo akka hubannoosaanitti akka socho'an hayyamuufii qaban. Waa'ee Kitaaba Qulqulluu keessatti obsa barbaachisaa, Waaqayyo akka Isaa akka waljaalannu barbaada.

E. Walitti qabuudhaaf kiristaanummaan jireenya amantiiti. Jaalalaati, malee xinamanti cichaa miti. Walitti dhufeenyi isa wajjiinii inni walitti dhufeenyuma keenya irratti dhiibbaa qabu caalaatti barbaachisaadha.

▣ **"Akka ayyaana Waaqayyo isa nuuf kennameetti"** kun lak 3 ti hidhata. "akkuma Waaqayyo hundaaf akka amantii isaatti safari" (Efs 4:7). Yaada guddaa isa amantoonni akkamitti kennasaaniiti fayyadamu isa jedhu wajjiin hidhata qaba. Kunis amala, kaka'umsaafi humna amantootaa hojii wangeelaa isa Waaqayyo isaaniif kenneen isa tajaajiluudha isaanis isa Gal 5:22-23 keessatti tarreeffame ija afuuraati.

**12:7**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"yoo hojiin nama garaaru ta'e"** |
| **KJHH, KQSHH** | **"ykn hojii wangeelaa, hojii wangeela keenyaatti fayydamuudha"** |
| **TIV** | **"yoo tajaajiluu ta'e haa tajaajillu"** |
| **KQJ** | **"yoo bulchuu ta'e, ittiin bulchaa**" |

Hikkaan hammayyaa garagaaraa, sababnisaas jecha Giriik (diakonia) jedhuuf hiikkaan gitaa afaan Ingiliffaa hin jiru (1) tajaajila dhugaa ykn (2) bulchiinsa jechuu ni ta'a. (HoE 6:1, 1Qor 12:5, 28) kitaabni The

Analytical Greek Lexicon Revised jedhu Harold K. Moulton akka "hojumaata, gocha ykn Biroo godha Rom 12:7, 1Qor 12:5; Qol 4:17; 2Xim 4:5" (ful 92) keessatti yaadnisa guddaan Orma gargaaruudha.

▣ **"barsiisonni … barsiisu"** kenni kun (didasko) 1Qor 12:28 fi 14:26 keessatti tuqameera. Hojii raajootaa HoE 13:1 fi hojii tiksootaa Efs 4:11 walinis waldhugeera. Waldaan ganama kana namoonni kenna dacha qaban kana waan arganiifi. Lallabuun, raajuuniifi barsiisuun hundi wangeela irrattidha. Garuuu toftaafi xiyyeeffannoo gara garaanidha.

**12:8 "Gorsa… gorsuu"** jechi (parakaleo) jedhu barsiisutti dhiyaata (1Xim 4:13) kunis ogummaa ittiin dhugaan jireenya keessatti mirkanaahudha. Efs 4:15, 16 "dhugaa jaalalaan haasa'uu … qaamni dhugaan ijaaramti"

▣ **"inni kennuus garramummaa haa kennu"** Matudree aanu ilaalaa

**MATADURAA ADDAA: ARJAA (GARALAAFESSA)**
Jechi kun (haplotes) hiikkaa lama qaba. "arjaa" ykn "garalafeessa" mul'ata wajjiin dubbi dalgaa qaba. Bara Kakuu Haaraa ijjii akka dubbi dalgaa kaka'umsaatti bifa lamaan tajaajila ture (1) ija amajaajii (hammeenya Deb 15:9 fi Fak 23:6; 28:22) fi (2) ija gaarii (arjaa, Fak 22:9). Yesuus itti fayyadama kanatti dhimma bahe. (Matt 6:22-23; 20:15) Phaawuloos jecha kana miira lamaan fayydama. (1) "garramummaa" (Rom 12:8; 2Qor 8:2; 9:11,13)

▣ **"inni bulchu haa geggeessu"** kun hoggansa waldaa kiristaana ykn gandaa agarsiisa.

▣ **"inni naamaa oo'us fula ifaan haa hojjetu"** kun warra nama dhukkubsateefi gargaarsa barbaadeef godhamu agarsiisa.

Jireenya hawaasummaa amantootaafi lallaba doktiriinaa gidduu garaagarteen jiraatu hin qabaatu. Saantimni tokkollee cinaacha lama qaba. "wangeelli hawaasummaa" hin jiru wangeela malee.

**GAAFFILEE MARII LAKKOOFS 1-8TTI**

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti. Kana jechuunis ati hiikkaa Kitaaba Qulqulluu keetiif ittigaafatamoodha. Hundi keenya ifa qabnu keessa sochoona. Ati, Kitaaba Qulqulluu fi afuurri Qulqulluu hiikkaa keessatti dursa qabdu. Kana ibsituu wajjiin walitti laaquu hin qabdu.

Gaaffileen mairi kunneen dhiimmoota gurguddoo kutaa kitaaba kana keessaa irratti akka ixyyeeffattee yaadduufidha. Isaanis ilaalcha dadammaqsuufi malee hiikkoof miti.

1. Qaama akka aarsaa jiraataatti dhiyeessuu maaltu ta'uu qabaa (lak 1)?
2. Amantoonni hundi kennaa afuuraa ni qabuu (lak 3-8, 1Qor 12:7)? yoo ta'e isa kam filatan fudhachu danda'u?
3. Akeekni kennaa afuuraa maalidha?
4. Kitaaba Qulqulluu keessatti tarreeffamni kennaa nuffisiisaa ni jiraa?
5. Namni akkamitti kennaa isaa adda baafataa?

**ILAA QABIYYEE LAKKOOFSA 9:21**

A. Kutaan kun "qajeelcha kiristaanaa walitti dhufeenya walwalii" yoo jedhame gaariidha. Kun marii jaalalaa dhugaadha. (Matt 5-7; 1Qor 13 fi 1Yoh 3:18; 4:7-21)
B. Boqonnaan 12 kan Roomaa 1Qor 12-13 wajjiin qabiyyeefi caasaan walfakkaata. Eeya marii kenna afuuraan booda dheekkamsi waa'ee boonaafi jaalala biddiqa jireenyaa irratti xiyyeeffatu dhufe.
C. Yaadichi kan haasa'u
   1. walitti dhufeenya keenya kiristaanoota waliinii (12:9-13) kunis bal'inaan 14:1-15:13 fi 1Qor 8:11; 10:23-33) ka'eera.
   2. walitti dhufeenya qabnu wajjiin (12:14-21). Kutaan kun warra waldiddaa qabnu wajjiin (12:14-21). Kutaan kun lallaba Yesuus tullu irratti godhe (Matt 5-7) kan agarsiisu fakkaata.
D. Dubbisni kun abboomi biddiqa jireenya amma ta'aa jiruun hacuuccameera. Waaqayyoon isa karaa hojii kiristoosin xumurameefi afuura'uu afuura garuuu takka argamnaan, of kennaafi biddiqa jireenya hunda aarsaa barbaadudha. yesuusiin "Gooftaa" jedhanii waamuun dubbi miti. (Luq 6:46)

E. Dubbisni kunis jechoota gocha amma ta'aa jiru kan agarsiisan ni qaba. Innis waan ta'aa jiru san dhaabu of keessa qaba (lak 14, 16 (si'a lama) 47, 19, fi 21) Kiristaanni ammuu ala jiraachaa jiru. Gama tokkoon cubbuu jechuu kenna Waaqayyoo ammuu Waaqayyoon ala fudhachuudha jechuun ni danda'ama.
F. Kiristaanummaan "banaa" sammuu banaa, harka banaa, laphee banaa, balbala banaa (Yaq 2) ta'uu qaba.

**QO'ANNOO JECHAAFI GAALEE**

**12:9-13**
**9Nama jaallachuun keessan jaalala dhugaa haa ta'u, waan hamaa jibbaa, wanta gaarii ta'etti qabamaa jiraadhaa! 10alala obbolummaatiin ho'isaa wal jaalladhaa; walii keessaniif u1fina kennuudhaaf wal dorgomaa ! 11Waa dhimma baasuudhaaf hin dhibaa'inaa! Hafuura gubaa qabaadhaa! Goofticha afis of irraa bu'aa hojjedhaa! 12Abdii qabdanitti gammadaa; rakkina obsaa; Waaqayyoon kadhachuuttis cimaa ! 13Warra Waaqayyoof qulqullaa' an rakkina isaaniitti gargaaruu keessaa qooda qabaadhaa! Keessummoota simachuutti dhimmaa !**

**2:9 "Nama jaalachuun keessan jaalala dhugaa haa ta'u"** Barru Giriik keessatti jechoonni walitti gudunfan (asyndeton) hin jiru. Kun garuuu hin baramne. Feetu seerluga Ibrootaa gammachuu Matt 5 duubatti agarsiisu barbaade ta'a. Seerluga kun gaaleewwan tokkon tokko qofaatti akka dhugaatti dhiyeessu.
"dhugaan" jedhu kun jecha tiyaatiraa "girdoon duuba haasa'uu jechudha. Jaalala jechuun tapha ykn qoosaa miti. (2Qor 6:6) Jaalalli amala amantootaati (Yoh 13:34-35; 15:12, 17; 1Yoh 3:11, 18; 4:7-21) sababa amala Waaqayyoo ta'eef.

▣ **"hamaa jibbaa"** kun (present active participle) dha, amantoonni amajaajiin fincilamuufi dinqamu qabu. (1Tas 5:21-22) nuti garuuu isa kallatiin jireenya keenya dhiibu irratti dinqamna.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KJHH** | **"wanta gaariitti qabama"** |
| **KQSHH** | **"waan gaariitti dafaa qabamaa"** |
| **TIV** | **"wanna bayeessa ta'etti jiraadha"** |
| **NKQJ** | **"waan gaariitti maxxanaa"** |

**12:10**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"jaalala obbolummaa ho'iisaa waljaaladhaa"** |
| **KJHH** | **"jaalala obboleeyyummaan wal ho'isaa"** |
| **KQSHH** | **"faayidaa waliif wal jaaladhaa"** |
| **TIV** | **"akkuma kiristaanatti ho'isa waljaaladha"** |
| **KQJ** | **"hamma obboloonni wal jaaladhaa"** |

Kun jecha tishoo Giriikotaa )phileot storge) yoo ta'u "jaalala obbolummaa" fi "jaalala maatii" kan inni faayidaarra oole as Kakuu Haaraa keessatti. Kiristaanonni maatiidha. Akka waljaalannu abbomamneerra (1Tas 4:9)

Kun dubbi Giriikootaa keessatti xiyyeeffannoof isa dura hireere.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"ulfina walii kennuuf dorgoma"** |
| **KJHH** | **"dorgommiidhaan ulfina waliif kennaa"** |
| **KQSHH** | **"ulfinaan waliif godhaa"** |
| **TIV** | **"ulfina waliif kennuuf dammaqaa"** |
| **KQJ** | **"waliif kabaja qabaadhaa"** |

Amantoonni hiriyyoota kakuusaanii Biroo of caalchifatuu qaban (Efs 4:2; Filp 2:3)

**12:11**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **“waan dhiimma baasuuf hin dhibaayinaa”** |
| **KJHH** | **“dhimma baasuuf hin harkifatiinaa”** |
| **KQSHH** | **“hojiif hin barfatiinaa”** |
| **TIV** | **“jabaadhaa hojjedhaa malee hin laafinaa”** |
| **KQJ** | **“Gooftaadhaaf hojjechu hin dadhabiinaa”** |

Jaalallii dhugaan humna jabaa hoomisha (Gal 6:9)

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KJHH** | **“afuura gubaa qabaadhaa”** |
| **KQSHH** | **“afuuraan bulluqaa”** |
| **TIV** | **“laphee guutuun of kennaa”** |
| **KQJ** | **“jabina afuuraa guddaadhaan”** |

▣ **“Gooftaa tajaajiluu”** Garaagaruummaan barreeffama iddoo kanatti ni jira. Gariin gosa barruu Giriikoota “yerootti (kairos) jedhanii dubbifamu, bakka isa “gooftaan” (*kurios*) jedhu. Garaagarteen goofitichaafi waldaa Isaa akka carraan argameen tajaajiluti xiyya. (Yoh 9:4; Efs 5:16)

Iddo hundatti jeequmsi kan ta’e sababa kurios hin hubatamiin ykn hin dubbifamiinifidha. Barruu Giriik durii fi filatamaa gooftaa tajaajilu” jedha. “Gooftaa” akka “mirkanatti” (A) irra kaa’eera.

12:12 “abdii qabdanitti gammadaa” Jechi “abdii” jedhu dhufaatii lammataan walqabata (5:2) Abdii jecha Ingiliffaa fedha agarsiisu miti. Miira Tg ta’a yeroon hin murtoofne agarsiisadha. yaadannoo 4:18 fi 5:2 ilaalaa.

▣ **“dhamaasuu”** Jechichi “si’ata, fedhata ariifataa cichaa” jechuudha.

▣ **“gidiraa”** Akkuma 5:3,5 keessatti “abdii” gidiraatti hidhata (thlipsis) kun safuu kiristoosin hordoftootaati. (Matt 5:10-16; HoE 14:22; Rom 8:17; 2Xim 3:12; 1Phex 4:12) Barbaaduu ykn soqu hin qabnu. Mataduree addaa : Gidiraa 5:3 ilaalaa.

▣ **“kadhatatti of kennuu”** Kadhanni naamusa afuuraati. kenna jabaa hojii Waaqayyooti. Amantoonni jaalala Abbaa Waaqarraa dhiibba gochuu danda’u. Waaqayyo kadhata ijoollee isaatti of daangeesseera (HoE 1:14; 2:42; 2:4; Efs 6;18-19; Qol 4:2). Kun kadhata ittigaafatama godhe. Three Crucial Questions About Spiritual Warfare kitaaba jedhu kitaaba Kilinton Aroold ful 43-44, 187-188 jiru dubbisaa

**12:13**

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KQSHH** | **“warra Waaqayyoof qulqulla’an rakkina isaaniitti gargaaruuti qooda qabaadhaa”** |
| **KJHH** | **“fedhii qulqullootaaf gargaaruu”** |
| **TIV** | **“qooda kiristaanoota hiriyoota keessanii keessatti hirmaadhaa”** |
| **KQJ** | **“gargaarsa namoota Waaqayyoo barbaadan irratti hirmaadha qooda fudhaa”** |

Jechi Giriik koinoneo jechuun “Walooma” jechuudha. Jechi kun Phaawuloosiifi hiikkaa hedduu qaba. Innis walooma wangeela keessaafi fedha qaamaa ni qaba (Gal 6:6)

Gidiraa Kiristoos qooddachuunis ni tajaajila (Filp 3:8-10, 1Phex 4:13) fi kan Phaawuloos (Filp 4:14). Inni Kiristoosiin gamtoomu jedhu saba Isaa wajjiin sadarkaa hundatti gamtoomu jechuudha. Mataduree addaa Quqlulloota 1:7 jedhu ilaalaa.

(Fak 3:27, Gal 6:10) Amantoonni akka waan Ormaaf hafaa ta’e qabaataniif jabaatanii hojjechu qaban, maqaa Yesuusiin (2Qor 8:11-12; Efs 4:28)

**MATDUREE ADDAA ; *KOINONIA***

Jechi “walooma” (koninonia) jedhu

1. hidhata maxxanaa namoota wajjiinii
    a. ilma wajjiin (1Yoh 1:6; 1Qor 1:9)
    b. afuura wajjin (2Qor 13:13; Filp 2:1)
    c. Abbaafi ilma wajjiin (1Yoh 1:3)
    d. obboleeyyan kakuu Biroo wajjin (1Yoh 1:7, HoE 2:42; Gal 2:9; Film 17)
2. hidhata maxxansaa wantoota ykn garee wajjiin
    a. wangeela wajjiin (Filp 1:5; Film 6)

b. dhiiga Kiristoos wajjiin (1Qor 10:16)
c. dukkana wajjiin miti (2Qor 6:14)
d. gidiraa wajjiin (Filp 3:10; 4:14, 1Phex 4:13)
3. kenna ykn gumaata arjoomaan godhame (Rom 12:13, 15:16; 2Qor 8:4; 9:13; Filp 4:15; Ibr 13:16)
4. kennaa ayyaanaa Waaqayyoo karaa Kiristoos, isa walooma sanyii namaaf Isaafi obboleeyyan deebisee dhaabuu

Kun walitti dhufeenya dalgaa (namaafi namaa) isa deebii'ee walitti dhufeenya dhaabbii (namaafi uumaa) mirkansudha. Fedhaafi gammachuu hawaasa kiristaana xiyyeeffanno kenna. Hennaan gochima jalqabbiifi itti fufinsa shaakala hawaasaa mul'isa (1:3 (si'a lama) 7;7,) kiristaanummaan walfaanooma.

▣ **"keessummoota simachuutti dhimmaa"** Gara laafina agarsii jechudha. (yaadannoo 14:19 ilaalaa, 1Xim 3:2 Tit 1:8, Ibr 13:2; 1Phex 4:9) hojiin wangeelaa kun waldaa ganamaaf baayyee barbaachisaadha. Sababni afuura xuraawaa isaa buteef "innis" kun ka'umsatti barsiisoota kiristaanaa hojiif sosso'an simachuufi nyaachiisuu kan ilaallatudha.

**12:14-21**
**14Warra isin ari'atan eebbisaa, isaan eebbisaa malee hin abaarinaa! 15Warra gammadanii wajjin gammadaa; warra boo'anii wajjinis boo'aa! 16Waa'ee walii keessaniif yaada tokko qabaadhaa; isin ol of qabuu hin yaadinaa, warra gad deebi'anii wajjin jiraachuu baraa! Nuyi ogeessota ofiin jettanii, ogummaa keessan of duwwaadhaaf hin godhatinaa ! 17Namni hamaa yoo isin irratti hojjete, deebiftanii hamaa irratti hin hojjetinaa! Waan fuu1a nama hundumaa duratti fudhatamaa ta'e yaadatti qabadhaa! 18Nama hundumaa wajjin nagaatti jiraachuudhaaf karaa keessan wanta danda'amu hundumaa godhaa! 19Michoota ko! Ijaa baasuu dheekkamsa Waaqayyootti dhiisaa malee, ofii keessanii ijaa hin baafatinaa! Caaffata qulqullaa'aa keessatti, Waaqayyo gooftaan, "Ijaa baasuun kan koo ti, ani hojii namaa mataa isaa irratti nan deebisa" jedhee dubbateera. 20Iddoo tokkotti immoo, "Diinni kee yoo beela'e nyaachisi, yoo dheebotes obaasi! Kana gochuu keetiinis gaabbee akka inni yeella'u ni goota" jedhamee caafameera. 21Waan gaariidhaan isa hamaa mo'i malee, hamaan si hin mo'in!**

**12:14: "warra isin ariiyatan eebbisaa"** Jecha ingiliffaa "evlogy" jedhu asii argame "eebba" ta'e (Matt 5:44, Luq 6:28; 1Qor 4:12; Yaq 3:9-12; 1Phex 3:9) $P^{46}$ (barruu paapirus) fi barruu B (vaatikan) "isin" jedhu keessa bahee jennaan hundaan makataa ykn akka Biroo jijjiirame dubbii waliigalaa ta'e. Jecha "ariiyatamu" jedhuuf yaadanno 14:9 ilaalaa.

▣ **"hin abaariinaa"** gocha deemaa jiru dhaabsiisuudha. Kun yaamicha maqaa Waaqayyoo yennaa kadhataa haaloo bahannaaf yaamamu agarsiisa. (akkuma abaarsa 1Qor 12:3)ti. Kun isa Waaqayyootti agarsiifatan hin ilaallatu (Efs 4:29; 1Phex 3:9)

**12:15 "warra gammadan wajjiin gammadaa warra booyan wajjiin booyaa"** Kiristaanni maatiidha. Amontonni jaalala walqabatu malee hin dorgoman. Sababa yaada lak 14-21 amantoonni warra hin amanneefu haala aadaafi yerootti fayyadamun carraa barsiisuu ofii mijeeffatu.

**12:16**

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KJHH** | **"waa'ee walii keessaniif yaada tokko qabaadha"** |
| **KQSHH** | **"jaalalaan waliin jiraadhaa"** |
| **TIV** | **"waliif yaaduu qabaadhaa"** |
| **KQJ** | **"hundaanuu qixxeetti ilaaluu dadna'aa"** |

Lakkoofsi 16 feetu walididdaa (1) amantoota yhudaafi amantoota Ormaa gidduu waldaa Roomaa jiru (11:13-24) (2) dinagdee durii qabee jiru (3) garaagartee kennaa afuuraa gidduu, ykn (4) barmaatilee dabalaafi filannoo dhuunfa gidduu jiru ta'uu ni danda'a.

▣ **"isin ol of qabuu hin yaadinaa, warra gad deebi'an wajjiin jiraachuu baraa"**

Jechi “agd deebi’uu” jedhu dhiirooma ykn walaba kan agarsiisu fakkaata. Yoo walaba ta’e hiikkaan isaa “ayyaana gad jedha fudhachuu” ti dubbifama. Yoo dhiiroome namoota gad jedhoo ykn deeganiti hidhata.

▣ **“ogummaa keessan of duuwwaaf hin godhatiinaa”** Gocha deemaa jiru dhaabsisuudha. (Fak 3:7, Isa 5:21, 1Qor 10:12; Gal 6:3) Amantoonni walirratti of jajuufi hawaasa al amantiitti of mul’isu hin qaban.

**12:17 “nama hamaa isinitti hojjetetti hamaan hin hojjetiinaa”** Gocha deemaa jirud haabsiisudha. Dhimmoota qixaan kaa’un kan Waaqayyoo malee kan amantootaa miti (Fak 20:22; 24: 29; Matt 5:38-48, ;uq 6:27, 1Tas 5:15; 1Phex 3:9)

▣ **“waan ija namaa duratti gaarii ta’e yaadatti qabaadha.”** (2Qor 8:21, 1Tas 5:22, fi 1Xim 3:7) Fak 3:4tti eera ta’u mala. Amantoonni ila ijaa al amantoota barsiisu irra godhatani jiraatu. Al amantoota kan aarsu ykn hifachiisu homaa gochu hin dandeenyu (1Qor 9:10-23) Hinumaawu jaalalaan dhiyaachu qabna.

**12:18 “yoo danda’ame, nama hundaan nagaan jiraadha”** kun hima haalaa sadarkaa duraati. Kallatti barreessichaanis dhugaadha jedhame tilmaamama. Kun filannoo amantoota yeroo maraa osoo hin taane seerlugaatu akka danda’amu agarsise. (Marq 9:50; 2Qor 13:11; 1Tas 5:13)

**12:19 “ofii keessan ija hin baafatiinaa”**
Waaqayyo gaaf tokko sirreessa.

▣ **“caaffamee jira”** akka dubbii seemoota ittin barreeffama afuura dubbatanidha. Akki dubbii kunis “akka Gooftaan jedhetti” isa jedhutti cinaaya (1Qor 14:21 fi 2Qor 6:17). Kun Deb 32:35 keessa waraabame.

**12:20 “yoo diinni kee”** kun (third class conditional sentence)ta’eeti gocha humniffa fulduraa kaa’I” kun itti eera fak 25:21-22 tiyooriin hiikkaadha.

1. kun akka dubbii aadaa feetu kan misrootaa, garraamuma mala ittin diina hiriyoomfatanidha. Ammallee deebii kiristaanoota afuura xuraawaa ariiyatuuf (Matt 5:44)
2. “abidda gubaa” jechuun gochaasaanii sirri hin ta’in isa mul’atu jaalalaafi dhiifamaan saalfachisudha. (Ambrosiiyaastar, Awgisxoos, Yarooma)
3. Origeniifi Kriystom kun garramachu kiristaanotaa isa akka Waaqayyo qalbii hin deeffattiinitti akka murtii kennu godhudha jedhu. (Terome Biblical Commentary, jil 2 ful 326)

Tiyooriin gaara jiran haganuma. Furtuun garuuu gulaallii Phaawuloos lak 21 keessatti tuqeera.

**12:21 “Waan gaariidhaan isa hamaa mohaa malee, hamaan isin hin mohiin”**
Deebiin keenya hin malle hanga gammachuufi nagaa keessa keenyaa ni agarsiisa, ni murteessa. Jibbii daranyo 9xannacha) afuuraati. Amantoonni Waaqayyotti kennatu qaban

▣ “Hamaa” kun dhiirooma, hamaa tokko agarsiisu, ykn walaba hamaa waliigala agarsiisudha. Kun walxaxa Kakuu Haaraa beekama (Matt 5:37, 6;13; 13:19, 28, Yoh 17:15; 2Tas 3:3; 1Yoh 2:13-14; 3:12, 5:18-19)

**GAAFFIILEE MARII LAKKOOFSA 9-21**

Kun ibsituu qajeelcha qo’annooti, kana jechuunis ati hiikkaa Kitaaba Qulqulluu keetiif ittigaafatamaadha. Hundi keenya ifa qabnu keessa sosoona. Ati, fi afurri Quqlulluu hiikkaa keessatti dursa qabdu. Kana ibsitu wallaaqu hin qabu.
Gaaffileen marii kunneen dhimmoota gurguddoo kutaa kitaaba kanaa keessaa irratti akka yaadduufidha. isaanis ilaalcha daddammaqsuuf malee hiikkoof miti.

1. Abboommi kana keessa jiran hundaa iddoo Biroootti tarreessi. Isaanis wanna Kiristaanni tokko hubatee jireenya Kiristoosin fakkaachuu isaa guyyuu keessatti shaakalu qabudha.
2. maaliifu lakkoofsi kum haala qabannaa kiristaanonni Ormoota amantii itti qabataniifi al amantoota itti qabatan addaan baasuun rakkiisaa ta’ee?
3.

# ROOMAA 13

| HIRAMSA BUUFATAA HIIKKAA HAMMAYYAA | | | | |
|---|---|---|---|---|
| YBS[4] | KJHH | KQSHH | TIV | KQJ |
| Seeratti abboomamuu<br><br>13:1-7<br><br>Jaalala obboleeyummaa<br><br>13:8-10<br><br>Guyyaan Kiristoos dhufaachuu<br><br>13:11-14 | Mootummaatti buluu<br><br>13:1-7<br><br>Jaalala olla<br><br>13:8-10<br><br>Kiristoos kaa'a<br><br>13:11-14 | Kiristaanaa fi mootii<br><br>13:1-7<br><br>Jaalalli seera guuta<br><br>13:8-10<br><br>Dhufaatii Kiristoos isa lammaffaa<br><br>13:11-14 | Kiristaanaafi mootii<br><br>13:1-7<br><br>Dirqama walii<br><br>13:8-10<br><br>13:11-13<br><br>13:14 | Abbootii taayitaaf buluu<br><br>13:1-7<br><br>Jaalalaafi waraana<br><br>13:8-10<br><br>Ijoollee Ifaa<br><br>13:11-14 |

**MARROO DUBBISAA SADAFFAA (fuula viii ilaal)**
*FEDHA BARREESSAA KA'UMSAA SADARKAA BUUFATAATTI HORDOFUU*
Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti. Kun jechuun ati hiikkaa kitaaba qulqulluu keetiif itti gaafatamoodha. Hundi keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni qulqulluufi afuurri qultulluu hiikkaa keessatti dursa qabdu. Kana ibsisaa wajjiin walitti laaquu hin qabdu.
Boqonnicha taa'umsa tokkoon gadi taa'ii dubbisi. Dhimmicha addaan baafadhu. Hiramsa dhimma kee hiramsa hiikkaalee shaman irra keessa jiran wajjiin wal cina qabii madaali Buufanni afuuraahuun miti. Garuuu fedha barreessichaa ka'umsaa hordofuu, isa handhuuraa, hiikkaadhaaf furtuudha. Buufanni hundi dhimma tokko fo tokko qofaa qaba.

1. Buufanni duraa
2. Buufanni lammataa
3. Buufanni sadaffaa
4. kkf

**Ilaa Qabiyyee lakk 1-7**

A. Akkuma boqonnaa 12 dhimma kiristaanummaafi walooma amantoota (lak 9-13) fi hawaasaa (lak 14-21) ta'e boqonnaan 13:1-7 moo waa'ee kiristaanummaafi mootota biyyaati. Haa ta'uuti, hiramsi yaadaa dhimma kana gidduu hin jiru. Phaawuloos tokkumatti fudhata. Jireenyi hundi kan Waaqayyooti. Amantoonni iddoo hundatti tajaajiltoota! Hidhanni boqonnaa kana lamaani 12:18 keessatti mul'ata.
B. Hubannoon amantoonni iddo mootummaa biyya lafaaf qaban gargari. Bara Kakuu Moofaa mootummaan hidda Qaayil irraa madda ture (Uma 4:16-22). Ijaarsi Baabi'eel (Uma 11) namoonni Waaqayyo irraa citanii of bulchuu akka barbaadan agarsiisa. Israa'eloota biratti mootummaa jechuun mootummaa Waaqayyoo karaa seera humnaafi karaa tika isa (Mooti) ture. Garuuu sababa cubbuu namootaa hin milkoofne. Dubbiin Yesuus Matt 22:21 fi Marq 12:17 keessatti kaase iddoon qixaa kan mootummaa murteessaadha. Iddo kanatti wanti ajaa'ibaa Phaawuloos godhe sagalee yesuus tokkolle hin xuqiin hafuusaati. (haa ta'uu lak 1-7 fi 11 cinaayina fakkaata Matt 22:15-22 fi 39) Addunyaa kuftu kana keessatti iddon Waaqayyoo mootummaaf kenne ni jira. Ergamtichi irra deddeebi'ee akkamitti mootummaafi amantii akka firoomsu qabsaa'aa tureera. Innis dirqama tolaafi bitaa ta'e gocha aangoo namootarra ejjetee mirkansu yaaleera. Phaawuloos mootummaadhaan aryatameeras tikfameeras. Haa ta'u, Yohaannis, Mul'ata keessatti mootummaan akka sagaagaltuu guddaatti ibse (Mul 17)

Hanga deemsaafi gaaffii keenya afuuraatti hin bunetti mootummaa ni deggerra. bulchiinsi biyya lafaa jeequmsarra wayyaadha (2Tas 2:6-7)

C. Dhimmi walfakkaataan kun Tito 3:1 fi 1Phex 2:13-17ti ka'eera.
D. Mootummaa Roomaa jaarraa duraa keessatti amantiin Judizim seera qabeessa. Kiristaanummaan akka dame isaatti ilaalamaa ture. (HoE 18:12-16) Kunis sochii hojii wangeelaaf godhamaa tureef gaaddisa ta'ee tureera. Hojii Ergamoota akeeknisa tokko Kiristaanni uumaan akka hojii siyaasaa hin turre warra Roomaatti agarsiisu ture. Haa ta'uuti Roomaan nagaa fi tasgabbii (Pax Roomaa) sadarkaa addunyaa keessa wangeelli labsame uumtee ture. (1Xima 2:1-2)
E. Dubbisni kun kan bal'ate muxannoo fi ifa Phaawuloos abbooti taayitaa walin qabu ture. Kutaan kun kan dabalame sababaa : (1) muddamnu waldaa Roomaa keessa ture abbootii taayiitaa wajjiin hidhata waan qabuuf (fkn ittifamuu duudhaa yihudoota) kunimoo yihudoonni hanga ta'e magaalatti akka gadhisanii bahan ta'e (fkn, Aqiilaa fi Phirisqilaa HoE 18:2). Iddo isaan hin jirreetti ni gaggeesummaan Ormootaa eegalame. (2) muddamni waldaa Room keessa ture sababa hawaasa yihudaa keessatti wangeelli bal'inaan lallabamudha. Seenaan Suwtoniyoos Life of Clavdius 25:2 keessatti mootichi yihudoota magaalaa keessaa ariiyachuu bara 49, D.B sababa mormii karaa "Chiristas" ka'een ta'uu eeree jira. Kun garaagaruummaa qubee laatiinii Kiristoos (Chiristos) ta'uu hin didu.

**QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE**

**13:1-7**
**[1]Namni hundinuu warra biyya bulchuudhaaf aboo qabaniif haa abboomamu! Fedha Waaqayyoo malee aboo qabachuun hin danda'amu; warra aboo qabatanis Waaqayyotu achi isaan dhaabe. [2]Kanaaf namni aboo kanaaf abboomamuu didu, waan Waaqayyo dhaabeen ni morma; warri kana godhanis firdii of irratti ni fidu. [3]Namoota waan gadhee hojjetan malee, namoonni gaarii hojjetan warra biyya seerratan hin sodaatan. Egaa atis aboo isaanii akka hin sodaanne godhachuu ni barbaaddaa? Yoos waan gaarii hoj-jedhu! Akkasitti warra aboo qaban biraa galata ni argatta. [4]Isaan kun waan gaarii hojjechiisuudhaaf WaaqaJyo biraa siif kennaman. Ati waan hamaa yoo hojjette garuuu, isaan sodaadhu! Isaan nama hamaa hojjetu irratti adaba Waaqayyoo raawwachuudhaaf malee, billaa isa ittiin adabuudhaaf itti kenname sana akkasumaan hin baatan. [5]Kanaafis, namni adaba Waaqayyoo duwwaaf utuu hin ta'in, yaada garaa isaa ciibsachuuf abboomamuun ni ta'a. [6]Isinis kanaaf gibira baaftu, warri aboo qaban kunis yeroo kana raawwachuudhaaf dhaabatanitti Waaqayyoof hojjechuu isaanii ti. [7]Egaa hundumaaf waan isaan isin irraa argachuuf malan, baasaaf; isa gibirri isaaf ta'uuf gibira, isa qaraxi isaaf ta'uuf qaraxa, isa sodaatamuun isaaf ta'uuf sodaatamuu, isa ulfinni isaaf ta'uuf ulfina kennaaf!**

**13:1 "Namni hundu haa abboomamu"** kana jechuunis "gad jechuu itti haafufu" (Tito 3:1; 1Phex 2:13) "gad jedhu" jecha waraanaa ta'eeti ajaja fudhachuu jechuudha. Phaawuloos amantoonni waliifu gad jedhu qaban barsiisedha.

Bara keenya gadjechuun hiikkaa bitaa qaba. Jecha hacuuccaa agarsiisuu fi hubannoo nuyi biyya Waaqayyoof qabnuuf keessatti of arginu ta'ee argama. Yesuus inniyyu gad jedheera (1) maatiisaa biyya lafaaf (Luq 2:51) fi (2) Abbaasaa Waaqarraaf (1Qor 15:28) Iddo kanatti qajeelcha keenya ta'ee argama.

▣ **"warra biyya bulchaniif"** Phaawuloos dubbii kana (exousia) iddo Birooottis fayyadameera ittinis humna ergamoota, afuura Waaqolii (8:38; Qol 1:16; 2:10, 15) Efs 1:21; 3:10; 6:12) asitti yaadicha abbootii taayitaa ilaallata (1Qor 2:6, 8, Tito 3:1, 1Phex 2:13) Kitaaba Qulqulluu abbooti taayitaa duuba humni ergamoota akka jiru agarsiisuu yaala. (Dan 10 fi LXXn Deb 32:8 " yeroo jaarsoliin gurguddoo sabicha hiran, yeroo ijoollee Addaam gargar baase, daangaa akkaata lakkoofsa ergamoota Waaqayyoon ta'uu) Garuuu ammallee warri biyya bulchan Waaqayyo jalattidha (lak 1b, 4a fi 6) mata duree aanee jiru ilaalaa.

**MATA DUREE ADDAA : MOOTUMMAA NAMOOTAA**

I. SEENSA

A. Hiikkaa – Mootummaa jechuun fedha biyya lafaa guutuu fi eeguuf kanneen of gurmeessanidha.

B. Akeeka – Waaqayyo abboommi sana seera dhabdumma irra waan caalchifateefi.

1. Seera Muusee, keessattu abboomii kudhan, fedha Waaqayyo hawaasicha ergedha jireenyaa fi Waaqeffanna wal madaalaa akka turan gargaara.
2. Kitaaba Qulqulluu keessatti caasaan ykn bifti mootummaa tuqameeru hin jiru, bulchiinsi Israa'el durii matumti isaallee bifa bulchiinsa Jannataan tilmaamameti. Demokraasy ykn kaappitaalizm kan Kitaaba Qulqulluu miti. Kiristaanni caasaa mootummaa kamittu ni jiraatu. Akeeknisaanii wangeela lallabuu malee warraaqsuu miti.

C. Dhaloota mootummaa namootaa

1. Kaatolikni Roomaa mootummaan namootaa kufaatin durayyu fedha dhalootaa ta'uu keessi. Aristootil dubbii kana irratti waliigala. Inni "namni bineelda siyaasaati" jedha. Kana jechuun'saa "jireenya gaarii agarsiisuuf jiraata" jechuufidha.
2. Pirooteestaantooti, keessattu Maartiin Luutaar kingi mootummaan namootaa kufaatirra dhaalame jedha. Innis "harka bitaa mootummaa Waaqayy" jedheetu waama. "Karaa to'annoo Waaqayyoo namoota yaraa, namoota to'annoo jala oolchuudhaa" jedhees dubbata.
3. Kaarli Maarkis moo

II. EESHAALE KITAABA QULULLUU

A. Kakuu Moofaa

1. Israa'el akkina jannatatti raawwatamtuti. Bara Israa'el durii YHWH mootii ture. Ti'okraasiin bulchiinsa Waaqayyoo isa kallattii agarsiisa ture (1Sam 8:4-2. 2. 2.
2. Birmadoomni Waaqayyo mootummaa namootaa keessatti: kan mulataa ture:
   a. Ermiyaas 27:6, Ezr 1:1
   b. 2 Sena 36:22
   c. Isa 44:28
   d. Dan 2:21
   e. D an 2:44
   f. Dan 4:17, 25
   g. Dan 5:28
3. Sabni Waaqayyoo gad jedhaa fi kabajaadha, warra humnaan isa weeraranii isa qabaniifillee
   a. Dan 1-4, Naabukedenetsiyoor
   b. Dan 5 Belshazaar
   c. Dan 6 Daariyoos
   d. Ezraa fi Nehimiyaa
4. Sabni Waaqayyo mootummaa lafaaf ni kadhata
   a. Ermiyaas 28:7
   b. Mishnaah, Abot 3:2

B. Kakuu Haaraa

1. Yesuus mootota namaaf kabajaa agarsiise.
   a. Matt 17:24-27: qaashuuraa kafale
   b. Matt 22:15-22 ashuuraa mootummaa Roomaaf ni labse.
   c. Yoh 19:11 Waaqayyo mootummaa kenne
2. Sagaleen Phaawuloos mootummaa namaatti hidhata
   a. Rom 13:1-7 amantoonni mootummaaf gad jechuufi sagaduu qaban
   b. 1Xim 2:1-3 amantoonni mootummaaf kadhatuu qabu
   c. Tit 3:1 amantoonni mootummaaf gad jedhu qabu
3. Sagaleen Pheexroos mootummaa namootaan hidhata qaba.
   a. HoE 4:1-31, 5:29 Pheexroosii fi Yohaannis shoongoo dura akka dhaabbatan (kun ajajamu agarsiisa)
   b. 1Phex 2:13-17 amantoonni mootummaaf gad jedhu
4. Sagalee Yohaannis mootummaan namootaatti hidhatu
   a. Mul 17. Gamoon Baabiloon Mootummaa namootaa mormii Waaqayyoof ka'e ta'uu agarsiisa.

III. Goolabbi

A. Mootummaan namootaa Waaqayyoon durfama. Kun "mirga mootootaa humna qabeessa miti" garuuu iddoo mootoota humna qabeessadha malee kan gaaratti eerameen alatti wanti jedhame homtuu hin jiru.
B. Amala gaariin moototaaf gad jedhuun dirqama manantoota irraa eeggamudha.
C. Mootummaa ashuuraa kaffaluu fi kadhataan gargaaruu amantootaaf barbaachiisaadha.
D. Mootummaan namootaa seera eegsiisuufi. Isaan dhimma kana irratti tajaajiltoota Waaqayyooti.
E. Mootummaan namoota kan hanga hin qabne miti. Aangoo qabuun daangeeffamadha. Hoggu isaan isa daangeeffame cabsani darbuun waan himmallee godhan sammuu ofiif jecha amantoonni daani haa godhan. Akkuma Augistoos "The City of God" jedhu keessatti dhugoomse nuyi lammilee mootummaa lamaati. Inni tokko yeroo fi inni kaan bara baraati. Isaan lameenuu keessatti ittigaafatama qabna; garuuu mootummaan Waaqayyoo isa bara baraati. Ittigaafatama Waaqayyoof qabnu keessatti xiyyeen dhuunfaa fi walooma nurra jira.
F. Sirna demokiraatawaa ta'e keessatti amantoonni dammaqanii mootummaa ijaaruufi dhugoomsuu keessatti akka hirmaatan, yoo danda'an Kitaaba Qulqulluu akka barsiisan ni gorsina.
G. Jijjiiramni hawaasaa dhuunfaan eegalu qaba. Abdiin mootummaan hanga bara dhumaa hin jiru. Hangamu Waaqayyo itti fayyadamu mootonni namoota hundi cubbamootaati. Yaadni kun "Addunyaa" yaada Yohannen keessatti ka'eera.

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"warra aboo qabataanis Waaqayyotu achi dhaabe"** |
| **KJHH** | **"isaan achi jiran Waaqayyootu isaan muude"** |
| **KQSHH** | **"isaan Waaqayyoon dhaabamani"** |
| **TIV** | **"Waaqayyoon achi taa'an"** |
| **NKQJ** | **"Waaqayyoon muudamani"** |

Waaqayyo abbootii taayitaa dugda duuba jiraachuu mirkansa. (Yoh 19:11) kun "humna mirga motii" osoo hin taanee fedha humna sirnaa agarsiisuufidha. Kun mootummaa addaa tokko agarsiisuuf osoo hin taane mootummaa agarsiisuufidha. Sirna dhabu irra seerri mootummaa foyya'adha (lak 6)

**13:2 "namni aboo kanaaf abboomamu didu"**. Kun gantummaa namootaa seera tolfameef qban kan baratame agarsiisa. "mormiin dhaabachuu" jechudha. (HoE 18:6; Yaq 5:6) Maarqoos 12:17 keessatti Yesuus mootummoota lameen mootummaafi waldaa ifatti kaa'eera. HoE 5:25-32 keessatti yoo abbootiin aangoo daddarbaa qabaatan wanna ta'u argineerra.

▣ "ni morma... warri godhanis" Kun waa'ee ganumsa dhaabbatee ykn hundaa'ee dubbata. Waaqayyootu addunyaa kufteef abboome (lak 4,6) Seera mormuun Waaqayyoo mormuudha, yoo abbootiin taayitaa aangoo Waaqayyo isaaniif kenne daddarban malee. Dhugaan afuuraa abbootii taayitaaf gadi jedhuudha. Sanyiin namaa kuftuun abboommii jaalatti.

▣ "firdii ofirratti ni fidu" Hiikkaan KJV "gadeebi'u" jedhaan. Jechi kun hiikkaa isaa Ingoliffaa bara 1611 D.B bal'ifatee jira. Hiikkaan KJHH moo "murtii jedhe hiika. Akka yaadaatti kun kan agarsiisu (1) murtii Waaqayyoo ykn (2) adaba yakkaa (lak 4). Namonni kun amala isaaniin gochaa isaaniin murtii Waaqayyoo ofirratti fidu. (Yoh 3:17-21)

**13:3** Qeeqa cinaayina kanaa 1Phex 2:14 keessa ilaalaa 13:4 "waan gaarii hojjechuuf Waaqayyo biraa siif kennaman" mootonni hogguu namoota afuura homoo irratti tarkaanfii fudhatan garuuu amantoonni of daangeessuu keessa jiran (12:17-19) Luutaar akki jedhe "karaan Waaqayyo itti namoota badaa to'atu, namoota badoo ta'an to'annaa jalaa galchunidha."

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"iillaa isa ittiin adabuudhaaf itti kenname akkasumaan hin baatani."** |
| **KJHH** | **"biillicha akkasumaan hin hidhanne"** |
| **TIV** | **"aangoonsaanii adabuuf ta'uun mirkanuma"** |
| **NKQJ** | **"biillichi mallatto aangoo isaanii ta'uunsaa garuuu akkanumaan miti.** |

Jechi “biillaa” (*machaira*) jedhu meeshaa xiqqoo Roomaanota gaafa adaba yakkaa guddaa itti fayyadamaniidha. (HoE 12:2; Rom 8:35) Dubbisni kuniifi HoE 25:11 Tgf bu'uura adabbii jabaa ta'a. Wayita Uma 9:6 qixaan kallatti Kakuu Moofaa agarsiisa. Sodaan burjaajessadha.

▣ “isaan kun adaba Waaqayyoo raawwachuudhaaf” jechi “haaloo bahuu” jedhu (edikos) yeroo baayye Kakuu Moofaa keessatti tajaajileera. Kutaa jalqaba lakkoofsa 19:18 hojiirra oolee jira. Kakuu Moofaa keessatti yoo namni darbee nama ajjeese; tasa utuu hin beekin, maatiin nama sanaa “ija ijaan jaamsuuf” mirga qabu. (gumaa dhiigaa) Phaawuloosis barmaatilee Kakuu Moofaa gara abbootii taayitaa akka fiduu barbaadedha.

**13:5 “abboomamuun ni ta'a”** sababa lamatu eerama (1) adabbii baqachuuf takkaahu kan Waaqayyoo ykn abbooti taayitaa mootummaa fi (2) sammuudhuma amantootaaf jecha

▣ **“yaada garaa”** Jecha Biriikaa “yaada garaa” jedhuuf gitni hin jiru kan Ibrootaa “harma” jedhu malee innis beekkomsa dhuunfaa jechuudha. Jechi Giriiki “yaada garaa” ykn (qalbii) jedhu hiikka shan ni qaba. Keessa miiraa agarsiisuuf (Rom 2:15) dhufe. Phaawuloos jecha kana si'a lama HoE keessatti (S.S 23:1 fi 24:16) ti itti dhimma baheera. Innis wanni inni beekaatuma dirqama amantii Waaqayyo irratti raawwate akka hin jirre agarsiisuuf ture. (1Qor 4:4)

Qalbii (yaada garaa) hubannoo amantootaa dammaqinaafi gocha irratti hundaa'e dagaagu ta'eeti. (1) ilaalcha addunyaa Kitaaba Qulqulluu galeessa ta'e (2) afuura cuuphaa fi (3) beekkomsa biddiqa jireenyaa sagalee Waaqayyoo irratti hundaa'edha. Kunimmoo kan danda'amu fudhannaa wangeelaa dhuunfaatiinidha.

**13:6 “Isiniis kanaaf gibira baaftu”**. Kun fakkeenya ittigaafatamuummaa Kiristaanaati. Sababnisaas abbootiin taayitaa tajaajiltoota Waaqayyooti jedha.

**13:7**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **“waan isiniirraa malom baasaaf; gibira ... ashuuraa ... sodaatamu ... ulfina.”** |
| **KJHH** | **“gatiisaanii baasaaf, gibira... ashuuraa ... sodaa ...; ulfina..”** |
| **KQSHH** | **“waan isaaniif malu kaffalaaf – gibira ... bu'aa ..., kabaja ... ulfina”** |
| **TIV** | **“kaffalaaf, waan argachu qaban: ashuuraa dhuunfaa fi meeshaa kaffalaaf isaaniifis kabajaa fi ulfina kennaa”** |
| **KQJ** | **“waan namoonni mootummaa argachuu mirga qaban kennaaf – ashuuraa kallatti ykn al kallatti -sodaa fi kabajaan** |

Kun garee abbootii taayitaa lama agarsiisa. (RSV) kun jechuun Kiristaanonni ashuuraa fi kabaja abbootii taayitaaf kennuu qaba. Sababni hojii Waaqayyoo waan hojjetaniifi (lak 1, 4 (si'a lama), 6: Matt 22:15-22)

▣ Jechoonni kunneen “gibiraa” fi “ashuuraan” asitti akka moggiyaati tajaajilu (TIV garaagaruummaa kenna) Osoo hiikkaa ka'umsaa (etymologically) qoratame inni duraa gibira namoota dhuunfatamaniin bahudha. (Luq 20:22) yoo ta'u lanmanni gibira dhuunfaaf ?dha. (Matt 17:25; 22:17,19)

**ILAA QABIYYEE ROOMAA 13:8-14**

A. Lakkoofsi 1-7 kan jiru akka yaada barruuti fudhachuun ni danda'ama. Haa ta'uuti, dhimmi “argachuu' jedhu lak 7 keessa itti fufee lak 8 keessattis bifa Birooon mul'ata. Amantoonni waan mootummaan argatuu qabu dirqama baasuu qaban, akkanuma nama Birooofillee baasuu qaban.

B. Lakkoofsi 8-10 ilaalcha waligalaa ta'eera, akkuma lak 11-14 boqonnaa 12 irraa kaasee waa'ee ittigaafatama jaalala kiristaanota kaasee mariisisa.

C. Phaawuloos abboommi kurnaw Km akka qajeelcha haamilee amantoota Kakuu Haaraa ti fiduun barbaachisummaa inni jireenya Waaqumma keessatti qabaatu (qulullinaaf), kan fayyinaa miti (murtoo Gal 3) barsiisa. Phaawuloos madda hedduu walitti cuunfuudhaan qajeelcha naamusaa kaa'e.

1. Sagalee Yesuus
2. qajeelcha hafuuraa
3. Kakuu Moofaa
4. Leenjii barsiisummaa
5. beekomsa hayyoota Giriik (kkeessattu ciniinnatoo)

Kun “seera jaalalaa” jaalala Waaqayyoo, jaalala namoo tajaajila Waaqayyo tajaajila namoo agarsiisa.

D. lak 11-14 yaada bara dhumaa qaba. Fugginni dukkanaa fi ifaa amala barruu yihudootaati; marata Deed sea dabalatee. Barreeffama Phaawuloosii fi Yohaannis keessattis barameera. “Inni turee” fi “Inni jiru” gidduu dhimmi jiru sababa jireenya Waaqummaa kiristaanotaa ta'eera. “Barri haarawaa” (Mootummaan Waaqayyoo) kabajamaa tureera, dhiyeenyattis ni xumurama. Dubbiin kun dubbi 1Tas 5:1-11 waliin walfakkaata.
E. Lakkoofsi 13-14 haala jireenya Awugisxoos ganna 386 DB keessa kan jijjiire ture. Dhugaa bahinsa 8:29 keessatti “kanarra dubbisuu hin qabu moo naalan barbaada; dhuma dubbi kanaa irratti, ifti ta'e laphee koo na seene dukkanni sodaa narraa godhaane” jedheera.

**QO'ANNOO JECHAAFI GAALEE**

**13:8-10**
**[8]Wal jaallachuu irraa kan hafe gatii wal dubbifattan hin qabaatinaa! Namni nama jaallatu waan seerri isa irraa barbaadu raawwachuu isaa ti. [9]Abboommonni, "Hin ejjin, hin ajjeesin, hin hat in, waan namaa hin hawwin" jedhan, warri kaanis hundinuu dubbii tokkicha isa, "Nama akka ofii keetiitti jaalladhu!" jedhuun ni xumuramu. [10]Namni nama erga jaallatee, waan hamaa isa irratti hin hojjetu; kanaafis nama jaallachuun seera raawwachuu dha.**

**13:8 “gatii homaa wal dubbifattan hin qabaatiinaa”** Waan gocharra jiru dhaabsidha. Guutoon kun bitaa lama qaba. Feetu dhimma gibiraan walqabata (lak 6-7) Liqaan maallaqaa gogsituu afuuraa jabaadha. Addunyaa fakkaachura of eegaa. Amantoonni akka dhimma kiristaanummaa fi arjooma dhuunfaa irratti qooda hin fudhanne qalbi hatti. Haa ta'uti, lakk kun akka ragaaa mirkansa “liqaan akka hinb arbaachifne” kan agarsiisu miti. Kitaabni Qulqulluu kan hiikkamu qabu ifa barasaaniini. Gaazexaa barii dubbifamu biyya Ameerikaa miti. Lak 8-10 jaalala waliif qabnu dursa. (1) akka obboleeyyan kakuutti (Matt 22:39-40), Yoh 13:34-35) fi (2) akkuma dhala namummaatti (Matt 5:42; Gal 6:10)

▣ **“waljaalachuu irraan kan hafee”** Ilaalchi furtuun lak 8-10ti. (Yoh 13:34; 15:12; Rom 12:10, 1Qor 13; Filp 2:3-4, 1Tas 4:9; Ibr 13:1, 2Phex 1:7, 1Yoh 3:11; 4:7, 11-12)

▣ **“Namni nama jaalatu”** Kun jaalala yeroo ykn qoodinsa hin agarsiisu, jaalala bidiqa jireenya kiristaanummaa yoo ta'e malee.

Jechi “ollaa” jedhu “nam adda ta'e” (heteros) kan agarsiisudha. Garaa garuummaan heteros fi allos (waan wal fakkaatu Birooo) gidduu jiru Giriikiin cabe. Kun yaadaan ollaa tokko, jecha ballaa, amantoota, ykn kan Birooodha. (Luq 12:14-21; 10:25-37) Haa ta'uuti, inni Lew 19:18 keessa waraabame hiriyyaa kakuu Birooo kan agarsiisudha. (Israa'eloota waloo)

Kiristaanonni darbani kiristaana Birooo akka obbooliiti, fi warra badani moo jabeessanii jaalatuu qabu. Kiristaanonni maatoomadha. Jireenyii fi tajaajilli miseensa kamuu guddinaa fi fayyummaa waliifidha (1Qor 12:7)

▣
**KQSAH, KJHH**

| | |
|---|---|
| **KQSHH** | **“seera guuttate”** |
| **TIV** | **“seeraaf bule”** |
| **KQJ** | **“dirqama isaa bahate”** |

Gochimni Giriik (*pleroo*) karaa hedduu ni hiikkama. Innis (perfect active indicative) yoo ta'u. “kan turee fi guutama jiru” jechudha. Robert Hannaa kitaaba “A Grammatical Aid to The Greek New Testament, keessatti A.T. Roberston” gnomic prefect” (dhugaa aadaa, keessaa)” (p28) jedhee yaamaan. Kunis lak 10 keessatti (Gal 5:14; 6:2) irra deebi'ameera.

13:9 Seera Muuseetti fayyadamuun Phaawuloosiif haarawa miti. (Ba'u 20:13-17, Yk Deb 5:17-21 fi Lew 19:18) Innis ittin amantoota Kakuu Haaraa daddamaqsuuf fayyadama. Efs 6:2-3 keessatti Phaawuloos kiristaanoota daddamaqsuuf abboommi 10 keessaa tokkotti fayydameera. (1Xim 1:9-10) Wanni Kakuu Moofaa kun haala fayyinaa miti garuuu akkamitti namoonni Waaqayyoo fi wal wajjiin jiraachuu danda'an kan barsiisudha. (Rom 15:4; 1Qor 10:6,11) Phaawuloos Kakuu Moofaa keessaa tuqatuunsaa feetu lameen yihudootaa fi Ormoota waldaa Roomaa keessa jiran agarsiisu ta'a. Jechi “guuttachuu” jedhu kunis barsiisa yesuus seera Matt 5:17 keessatti barsiiseen firoomti.

Kun seeruma waliigalaa agarsiisuudha, akka seerri aadaa hawaasaa ta'e malee akka addatti seeruma Muusee ta'e miti. (1B) Haa ta'uuti, haaqxisaa wanni Phaawuloos lak 9 keessatti Kakuu Moofaa irraa tuqate, seeruma Muusee agarsiisuufidha. Jaalala malee, abboomiin namootaa, seera guutuu hin danda'u.
Mataduree itti aanu ilaalaa

**MATA DUREE ADDAA : ILAALCHA PHAAWULOOS SEERA MUUSEEF QABU**

A. Gaarii fi kan Waaqayyooti (Rom 7:12,16)
B. karaa qajeelummaa fi fudhatama Waaqayyoo miti (abaarsa ta'u ni danda'a, Gal 3)
C. Sababa itti of mul'isa Waaqayyoo waan ta'eefu ammalle fedha Waaqayyo amantootaaf qabudha (Phaawuloos irra deddeebi'ee amantoota jajjabeessuu fi amansiisuuf Kakuu Moofaa tuqa)
D. Amantoonni Kakuu Moofaa odeeffamani (Rom 4:23-24, 15:4, 1Qor 10:6,11) garuuu Kakuu Moofaa hin fayyine. (HoE 15, Rom 4; Gal 3, Ibr)
E. Kakuu haarawaa keessatti kan tajaajilu akka:
   1. Cubbamuu agarsiisuuf (Gal 3:15-29)
   2. Warra dhiifama argatan hawaasa keessatti qajeelchu
   3. Kiristaanoota naamusa qabsiisu

Ilaalcha Phaawuloos seera Muuseef qabu hubachuun barbaachisaa xin amantii abaarsa irraa gara eebbaatifi itti fufinsa jirutu dirqa. James Stewart kitaaba isaa A Man in Christ jedhu keessatti yaadaa fi barreeffama Phaawuloos dalgaa agarsiisuu yaaleera.

"nama caasaa ilaalchaa fi doktiriinaa cimsee dhaabuu fi diriirsuuf of kaa'e tokko jechoota inni fayyadamu waanuma irraa eeggamudha. Maalitti akka aggaamu yaada gaalee inni ka'uun ni tilmaama. Feetu jecha takkaa barreessaan keessan iddo tokkotti fayydame hanga dhumaatti akkanumatti itti fufa jettani yaaddu ta'a. Kana Phaawuloos irraa eeguun nama aarsa ta'a. Baayyoonni gaaleewwansaa lafaadha, goggoggaa miti..." (Rom 7:12, 22) jedha. Garuuu kallatti nomos Biroootu akkanni jedhu isa godhe. 'Kiristoos abaarsa seera jalaa ni biteera (Gal 3:13) (ful 26)

**MATA DUREE ADDAA : YAADANNOO BA'UU 20 IRRATTI**

**BA'UU 20:13, AJJEECHA**

**I. YAADA**

A. Abboomiin bifa hawaasummaa qaban dhugumatti amanti of keessaa akka qaban yaadachuu barbaachisa. Birmadu Waaqayyoo Uumama irratti qabu fi dhiifamni cubbuu kana keessatti qabamu. Abboomiin hin ajjeesiin jedhu, xiyyeeffannoonsaa, fakkeenya Waaqayyo namooma keessa jiruu fi eegganoo fi dhimmama Waaqayyo jireenyuma namootaa keessatti qabudha.
B. Abboommiin cufti hawaasa amantii akka ilaallatu beeku barbaachisa. Dhorkamni lubbuu seeraan ala dabarsuudhaa jalqabaafi akka bu'uuraatti hawaasa amantii ilaala. Hojummaannisaa akkuma namoomaa bal'ata.

**II. QO'ANNOO JECHOOTA BARBAACHISO**

A. "AJJEECHA"
   1. Kun jecha yartuu (rasah) lubbuuf oole, si'a 46 qoofa Kakuu Moofaa keessatti tajaajile. Jechi lama walfakkoon ni jiran
      a. Harag, si'a 165 tajaajile
      b. Hemit, si'a 201 tajaajile
   2. Jechi (rasah) kun hikkaa murtaahee fi hiikkaa dagaago qaba.
      a. Ka'umsatti lubbuu hiriyyaa kakuu karaa seera qabeessaan, karooraan, "fira dhiifama" ykn "go'el" ti. Ittifayyadamni kun karoorsuu qaba garuuu bifa gumaa bahuunidha (lakk 35:30-34; Lew 24:13-23) Dhugaatti Lex Talionis. "ija ijaan" (Uma 9:5-6) inni jedhu karaa ittin gumaa hambisan ture. Dhumarratti, gandi kooluu ni baayyate (Deb 4:41; Iya 20:3) kanaafuu namni kakuu beekaas haa ta'u tasa nama ajjeese hawaasa san keessaa dheekkamsa maatii warra gumaa baqatuun ni godaana.

b. Dhumarratti jechichi gocha lubbu dabarsu duuba darbee sababa isaa agarsiisu eegale. Yaadnii “beekaa itti yaade” jedhu irra caalaa dhufe. (Ba'u 21:12-14; Lak 35:11, 22: Deb 28:24)

c. Garaagaruummaan kun abboomii kana keessatti waan ilaalaa ta'aa dhufe. Akka yaadaatti warra hawaasa keessa jiran Birooo waan agarsiisu fakkaata.Fira gumaa dhiifama godhu wajjin wal hidhata ykn gumaa dhiigaa ilallata. Haata'uuti jechichi toora dubbisa dhumaa keessatti isa abboommi kurneen HoS 4:2 fi Erm 7:9 ajjeechaa agarsiisuuf jechi kun seera qofa odoo hin ta'iin kaka'umsa wajjiniin ilaallata. Ollaa irra hanga nama kamiitti dagaaga.

3. Jechi kun gonkumaa seera du'aa ykn waraana isa hammayyaa ammaa hin ilaallatu. Yihudoonni hawaasa kaasuu fi ykn loola qulqulluuf rakkoo hin qabani. (ykn isa qulqullu hin ta'iinu)

4. Aadaa hammayyaa keenyaaf hiikkaan sirrii “ajeecha ta'e jedha

**III. ILAA QABIYYEE**

A. Abboomiin jahaffaa, torbaffaa fi saddeettaffaa jecha Ibroota lama irraa madde, jechoota gabaaboo fi qixaa irraa

B. Lubbuun, akkuma lubbu hundaa, Waaqayyooti hidhata. Akkitti Orma qabannu ilaalcha Waaqayyoof qabnu agarsiisa.

**IV. CINAAYINA KAKUU HAARAWAA**

A. YESUUS

1. Abboommi kana dagaagsusaa (Matt 5:21-26) waan bara kana godhuu qabnuuf hojiirra oolchinu karaa nu agarsiisa.
2. Yesuus abboomi kudhanu bara gochaa irraa gara ka'umsaatti deebise. Nuyi waanuma yaadnudha. “Akkuma lapheesaatti yaadudha” Jireenyii yaadaa hanga nuyi gatii kenninuuf gararra barbaachisadha.

B. YOHAANNIS

1. 1Yoh 3:15 yaadni jibbaa akka cubbuu ajjeechaati dubbatamee jira.
2. Jechi Giriik Matt 5:21 fi 1Yoh 3:15 gargari garuuu hiikkaansaa walfakkaata.
3. Kallatti gaarummaa yaadaa 1Yoh 4:19-21 keessatti

**V. DHUGAA HOJUMAATAA**

A. Namni tasa lubbuu dabarse gumaa baqatee ganda irraa godaanullee iddo koolu galetti hanga lubni guddaa du'uti beenyaa ni kaffala. (lak 35, Iya 20) Bu'aan gochasaa akkuma jirutti.

B. Lak kun ajjeesanii baduu wajjin wal hinqabatu, warri durii moo yaada kanawu hin beekani, ammalle barruun haala qulqullina lubbu namaa qajeelfama hafuuraa ni qaba. Sababnis Waaqayyo lubbu namaa akeeka, birmadoomaa fi fakkeenyasaan waan uumeefi. Barruun kun jecha jabaa bara keenya kanaaf darbata.

C. Barruun kun gaaffilee hammayyaa (1) adaba du'aa ykn (2) lolaaf jecha murteessaa hin qabu. Israa'elootaaf kun afuura xuraawummaa miti. Gocha lameenitu isaan hirmaataniiru. Ammallee, qajeelchi Waaqayyo nama akka fakkeenyasaatti uume inni jedhu dhugaa jiraataadha.

D. Barruun kun waa'ee kabajaafi quqlullummaa lubbuu namaa jecha barbaachisaa dubbata. Nuyi hawaasni amantootaa gaachana, gocha keenya qofaaf osoo hin taanee, hawaasa keenyaafillee. Kenni jireenyaa dhuunfaafi walooma

Nuyi arrabsamuu, qaama,a hawaasaa fi xinsammuu keenyaaf akkuma arrabsamuu qaama,a hawaasaafi xinsammuu biyya keenyaaf itti gaafatamoodha. Kun aadaa akka keenyaa keessatti iddotti dubbachuufi caasaa jijjiiruu dandeenyu irratti dhugaadha. Nuyi eegdota obboleeyyan keenyaati.

**BA'UU 20:14, EJJA**

**I. YAADA**

A. Abboomiin kun kabajaa Waaqayyoof qabnuun hirkatee kabajaa nuyi lubbuu ollaa, niitii fi qabeenyaa namaaf qabnu (Erm 5:8) akka agarsiisu beekamaadha. Kunis tarreeffama abboomii kana keessa jiruf Septuagint agarsiisa.

B. cinaayinni Deb dhugaa durii kana akka bara keenyaa deebisuun barbaachisaa ta'u agarsiisa.

C. Kabajni maatii akkuma hawaasa keessati tasgabbiitti ilaallamu abboomiin kunille akkanuma.

D. Abboomiin kun qabeenyummaa fi to'annoo Waaqayyoo qunnamtii saalaa fi jireenya maatii keenyarratti inni qabu kan agarsiisudha.

E. Abboomiin kun Uma 2:24 irratti kan bu'urfate fakkaata akka abboomii lak 4 Uma 2:1-3 irratti ta'e

**II. QO'ANNOO JECHAA**

A. Jechi ijoo yaada kanaa "ejja"dha. Jecha kanas ifa aadaa Ibroota durii keessatti hubachuun dansa.

1. Akka Kakuu Moofaa jechichi adda "sagaagala" irraa. Ejji lameen keessaa tokko yoo kan gaayila qabu ta'edha. Jechi "sagaagala" jedhu yoo lameenu gaayila hin qaban ta'e (Fak 29:3; 31:3). Garaagarteen kun Kakuu Haaraa Giriik keessa hin jiru
2. Carraan kun xiyyeeffannoon gaayilaaf akka kennamu godhe sababnis mirga dhaloota isa Waaqayyo "lafa kaku" kenne hidhata. Waggaa 50ti lafti hundi abbaa gosaatti ni deebi'a.
3. Seera Muusee keessatti akkuma aadaattu ejjii abaaramaa ture (Uma 12:10; 26:7; 39:9)
4. Ejji akka cubbuu
   a. Ollaatti – Ba'u 20:14, Deb 5:18
   b. Gaayilaatti – Lew 18:20
   c. Waaqayyootti – Uma 20:1-13; 26:7-11) ilaallama.
5. Lameeniinu du'aan adabsiisaa
   a. Lew 20:10
   b. Deb 22:22-24
   c. Hizq 16:40
   d. Akeekkachiifni cimaa Fak 1-9 keessatti jira

**III. WALITTI DHUFEENYA Kakuu Haaraa**

A. Yesuus Lew 19:18 akka gulaallii mul'ata Moofaatti (Luq 10:27) fayyadame. Kun abboomiin kurnan kabaja nuyi warra kaaniif qabnu agarsiisa.

B. Yesuus Matt 5:28 keessatti abboomicha bal'iseera. Gocharra kaka'umsarra godheera. Yihudoonni sammuu akka siree sanyii lubbuuti fudhatu. Waan namni tokko yaadu waanuma ta'edha. (Fak 23:7) kun moo jechoota 10 eeguun dadhabamedha – Akeekadha (Gal 2:15-3:29)

**IV. HOJUMAATA HAMMAYYAA**

A. Gaayilli fakkeenya of keennuu bara jireenya guutuu maqaa Waaqayyooti. Yaada kakuu Kakuu Moofaa dhugaa hubachuuf carraa gaariidha. (Mal 2:14). Kabajni hiriyyaa keenya kallatti hundaan, qunnamtii saalaa dabaalte dhugaa lakkoofsa kanaa akka gulaallu nu gargaara

B. Tasgabniifi gaarummaan gaayilaa, akkuma kabaja maatii, utubaa jabinaafi waarama hawaasaati.

C. Walqunnamtiin saalaa kenna Waaqayyoo ta'uun hubatamuu qaba. Fedhaa fi yaada Waaqayyo namaa qabudha. Qajeelfamni kunis bilisummaafi gammachu mulquuf osoo hin taanee qajeelfama Waaqayyoo sanyi namootaaf kennuufidha. Cimdoomni gammachuufi faayidaa dheeraa mul'isa. Qunnamti saalaa namniin akka malee godhulle, kenna Waaqayyo cufa, ammallee humna sochoosa nama keessa jiru humna to'annoofi qajeelcha Waaqayyo jala galuun dirqama irra jiraatudha.

D. Saalqunnamtin tikfamu qaba yoo kana qulqullummaan namaa (dhiira ykn dhalaa) ni kabajama. Sababa isaan bifa Waaqayyoon tolfamaniifu. Kufaatiin keenya "ana" irratti inni jedhu naannoo kanatti beekkamaadha.

**BA'UU 20:15, HANNA**

**I. ODEEFFANNOO WALIIGALAA**

A. Akkuma abboommi kudhan Birooo, amantiin, jaalalliifi kabajni keenya Waaqayyoof qabnu bifa aarsaa fi dhoksaa ta'een jireenya keenya guyyuu keessatti mul'atu qaba. Isa beekuu fi hiriyaa kakuu keenya burjaajuun Waaqayyooti. Jibba agarsiisuudha (1Yoh 4:20-21, 2:7-11)

B. Abboomiin kun hawaasa kakuu ijaaruuf gargaara. Qulullinni walooma afuuraa addunyaa jeeqamtuu ni hawwata gara Waaqayyoo keenyaatti, kun akkeeka Kitaaba Qulqulluu ti

C. Akkuma abboomiin kaan qabeenyummaa lubbuu hundaa irratti xiyyeeffatu kunis akkanuma. Nuyi gaachana, malee abbaa qabeenya miti. Kufaatii keenyatu garuuu abbummaatti nu dhiibe, gatii malee, dhorkaa kana garas jira.

**II. QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE**

A. Cabsa lammeesso abboomicha keessatti isa sadaffaadha. Jechoota Ibroota lamarra tolfame.

B. Wanni dhorkaadha hafeera. Kunis kan deggarame:

1. Yaadni abboomii lameen duraa adaba guddaati hidhate
2. Dubbisa cinaayina hojumaata jiraatuun lameen dafee (Ba'u 21:16) fi fulduratti (Deb 24:7) Uma 37 ilaalaa

C. Haata'uti, innumti gabaabo ni faccifama

1. Afuuraan nuuf galmaa'e
2. Waraansasaa daangaa bal'isa
3. Yaada hannaatti kan firoomu dubbisni cinaayina battala ta'e ni jira – Ba'u 22:1
4. Yesuus dubbisa kana addatti hannaaf tuqateera.

D. Hanni seera durii keessatti ka'eera, garuuu murtii adaba du'aan, qaama muruu fi 30 bakkatti deebisuun walitti hidhateeti ture.

E. Dhugaa kana kan ibsaniifi hiikkaan dubbisni cinaayina Birooo ni jiran.

1. Lew 19:1-18 - "ani Gooftaan kee Waaqayyo qulq8lluu akkuman ta'e; qulqulluu naaf ta'a"
   a. Biddiqni jireenya keenyaa amala abbaafi Waaqayyo keenyaa agarsiisu qaba (lak 18)
   b. Amantiin keenya jireenya keenya guyyaa bitaafi mirgaan dhorkuun, kaka'umsa gaariin gadi qabuu qaba (lak 17)
   c. warra dhiibamanii fi barbaadaniif, garalaafinni lak 9-10, 13 akka dida bilchina ollaa keenya ilaallama lak 11.
2. Amoot 8:4-7 Waaqayyo cunqursaa ni jibba.
3. Mik 6:6-8 – Gocha keenya hundarratti Waaayyo kaka'umsa sirnaa barbaada. Maaliif hin hannuu inni jedhu dhimmadha.
4. Ba'u 22:1 – dhugaan dagatame bara hammayyaa marii hattootaa keessatti bikkatti deebisuu, cubbuun hoggayu gatii qaba.

**III. DHUGAA HOJUMAATAA**

A. Jooyi Daanidmaan haadha warraa C.S Lewis, abboomi kurnan kana irratti kitaaba bareeda barreessiteetti. Abboomi kana "osoo homaa hin hojjetin argachuu yaaluu" kun abbuummaan duubatti daangaa bal'ise. Iseen akka jetteeti" qabeenyi ykn cubbuu ykn mirga adda hin baane miti; garuuu liqaadha, amanannaa Waaqayyooti"

B. Hanni, akkuma cubbuu laphee jigdee Birooolee, laphee haarawaan nig odhamti. Efs 4:28. Akkitti waan duri "fudhu" gara "hiritti" jijjiirame ajaa'iba.

C. Kabajni Waaqayyoof qabnu kabaja namoota Birooof qabnuun ni mul'ata. Dhugaan kun abboomicha haguuge.

D. Namni hammayyaa karaa hedduu hata!

**GAAFFIILEE MARII**

1. Namni hammayyaa akkamitti hanna shaakalaa?
2. Akkamitti bakkatti deebisuun qalbii didiran wajjin walitti hidhataa.
3. Akkamitti lakkoofsi kun ilaalcha kaappitaalizimiin qabeenya irratti qabuun walitti firooma?

**BA'UU 20:17 KLAJEELU**

**I.SEENSA**

A. Walitti dhufeenya abboomii shaman darban ilaaluun gaariidha:

1. Lak 6,7,8 madaahinsa hiriyya kakuu gocha darbaan ni dhorka.
2. Lak 9 madaahinsa hiriyyaa kakuu dubbii darbaan ni dhorka.
3. Lak 10 madaahinsa hiriyyaa kakuu ilaalchaan ni dhorka.

B. Gochi kajeellaa nama kajeelu, meeshicha miti, ollaarra kuta. Haatuuti, abboomichi ilaalchi akka hin cinne ni eega.

C. Abboommi kana baayyonni akka seera Israa'eloota durii keessatti malee hin argamiin kaasuun adda godhu yaalu. Achuma gara giddu gala bahaa sanille hin jiru. Yaadni haarawaan kun ilaalcha dhorka. Israa'elonni jireenyi **ilaalcha** (kajeellaa) akka bu'uura afuura hamaati fudhatu. (Fak 23:7; Yaq 1:14-15)

Lak. Kun hawwii gochatti qajeelu agarsiisa. Dubbisni heddu "kajeellaa" gocha itti fufee jiruun wal qabsiisanii fayyadamu (Deb 7:25; Iya 7:21, Mik 2:2)

D. Xiyyeeffannoon dhugumatti isa jalqabaa fi dhumaatti kennamun mul'ateera. Waaqeffannon Waaqayyo dursa, garuuu amalliifi kaka'umsi nuyi wantoota addunyaa kanaaf qabnu of kenna Waaqayyoof qabnu nu jalaa miidheera. Xiyyeen kun lameen barsiisa Yesuus gara irratti godheen mul'ateera. Matt 6:33. "dursa mootummaasaafi qajeelummaasaa barbaadadha; isaan kun isiniif dabalamu lak (19-32)

II. QO'ANNOO JECHAA FI GAALEE

A. Ba'u 20:17 fi Deb 5:21 tokko ta'aniyu garaagaruummaa ni qabu
   1. Niitiin yaada "warrooma" ykn qabeenya namaatti dabalamti. Ba'u 20 keessatti, garuuu Deb 5 keessatti moo adda baate, dursa argate, garee horatee mul'atti.
   2. Ba'u 20 keessatti jecha Ibroota "kajeella" hikkaa "qabaachu hawwu" jedhu qaba, garuuu Deb 5 jecha lame "fedhii" fi "kajeellaa" qaba. "kajeellaa"n hiikkaa gocha qabaachuuf tattaafachuu yoo qabaatu, "hawwuun" garuuu amalicha irratti kan xiyyeeffatudha.
   3. Ba'u 20n ijoollee Israa'el wayita jireenya diggalumma keessa jiran yoo ta'u qabaachu keessatti iddo hin qabu. Deb 5 keessatti garuuu lafa abdiisaanii hawaasa qubate jiruuf ture.

B. Jechi "kajeellaa" jedhu walabadha. Waan gaarii hawwuu ilaallata (Far 19:10; 1Qor 12:31)

C. Fedhiin sirra mala hidd kufaatii seeyxaana, Addaam fi Hewaan. Phaawuloos qabsoo dhuunfaasaa kajeelu waliin qabu Rom 7:7-8 agarsiisa. Kajeellaan eeggumsa qananiifi dhiyeessi Waaqayyotti amananuu fi gammachuu dhabuuti.

D. Dubbisni Kakuu Haaraa hedduun kajeellaati hidhatu.
   1. Rakkinni namootaa doqnoomaa fi gammachu dhabuu (Luq 12:15; 1Xim 6:8-10)
   2. Kajeellaan tarreeffama cubbuu yesuus keessattis dabalameera. (Marq 7:17-23, 1Qor 5:10, Efs 5:5 Qol 3:5)

III. DHUGAA HOJUMAATAA

A. Deebin kajeelaa doqnaa xuraawaa fi gammachu dhabaa
   1. Jaalala – Rom 13:8-10
   2. gammachuu – Ibr 13:5, Filp 4:11-13 (qooddachu, Filp 4:14)

B. Abboomichi "dhaabaa" jedha garuuu yesuustu akkatti dhaaban nutti hime. Isaan jireenya abjuu keenya ni to'anna.

C. Waaqayyo garaa keenyaa fi sammuu keenya ni beeka.
   1. 1 Seenaa 28:9
   2. Fakkeenya 20:27
   3. Far 139:1, 23
   4. Erm 17:10
   5. Rom 8:27
   6. Mul 2:23

D. Wantoonni afuura xuraawoo miti garuuu gaafa dhufanii nu keessatti dursa qabatan cubbuudha. Wantoonni kan dhuma hin qabnee ykn kan bara baraa miti. Namoota fakkeenya Waaqayyoon tolfaman malee kajeelaan hawaasa kakuu karaa mancaasaa fi diigaa ta'een ni cunqursa.

GAAFFIILEE MARII

1. Kajeellaan maali?
2. Namoonni hammayyaa akkamiin kajeeluu?
3. Ilaalchi keenya cubbuudha?
4. Maaliif ilaalchi jireenya kiristaanaa keessatti barbaachise?
5. Maaliif abboomiin Ba'u 20:17 jiru isa Deb 5:21 keessa jiruun gargar ta'ee?

▣ **"kanaafis"** kun abboommii kurnan agarsiisuufidha. Tarreen abboommii kunneen cabsaa lammaffaa barruu Giriik B, isa vaatikaan jedhamuun. Inni barruu Ibrootaa Masoraayitik jedhamu Ba'u 20 fi Deb 5 irra adda. Cabsaan lammata abboommi walitti dhufeenya Israa'eloota gidduu jiruu isa walitti dhufeenya Israa'eloota gidduu jiruu isa walitti dhufeenya YHWH irratti hundaa'edha.

▣ **"abboomiin warri kaanis hundinuu"** kun (first class conditional sentence) dha isa kallatti barreessicha akeeka barruuf dhugaadha jedhamee ni tilmaamama. Abboommiin Birooon ni jiran. Guutooni "abboomiin warri kaanis hundi" inni jedhu kanuma agarsiisa. Kunis seera Muusee hundaa ykn "seeruuma" jiru hunda jechuufi.

Akka barruu Giriikitti hangam akka ta'anii fi tarreeffma maaliin kurnan kun akka jiran garaa garuummaatu jira. Yihudoonni tokko qabu; kaatoliknii fi pirootestaantiin kan Biroo qabu Hiikkaan qabiiyyee kanaaf jallateeru hin jiru akka bal'inaa fi garaa gartee irra guddeesati wanti qabiyye jijjiire hin argamne.

▣ **"jecha kanaan xumuramu"** kun Lew 19:18 keessaa waraabame yeroo heddu waraabameera wangeela keessatti (Matt 5:43; 19:19 22:39 Marq 12:31 fi Luq 10:27). Yesuus abboomii jabaa lammataa ykn hangafaa ittin jedheera. Gal 5:14 fi Yaq 2:8 keessattis tuqameera. Yoo tokko Waaqayyoon jaalatu yoo kana waan Waaqayyo jaalatu jaalate jechuudha namni fakkeenya isaa waan ta'eefi.

▣ **"nama akka ofii keetti jaaladhu"** Amantoonni akka Waaqayyo isaan jaalatutti waljaalachuu qaban osoo kan Biroo hin jaalatinii fi hin fudhatiin dura. Of jaalalli sirrii afuura xuraawaa miti. Dhugaan muummee yaada kanaa ifatti bahe taa'eera. Orma jaaladhaa (lak 10) warrii of kennaa, jaalala aarsaa Waaqayyoon tuqaman Orma akkuma kanatti jaalatu. Kun rakkoo hin furamne Kiristoosin fakkaachuuti. (fakkeenya Waaqayyoo iddootti deebi'e) iddo jaalalli akkanaa jirutti "seera" homaa hin barbaachisu.

**13:11-14**
**[11]Yeroo itti dura amanne caalaas amma guyyaan fayyinaa waan nutti dhi'aateef, yeroon kun yeroo itti hirribaa dammaquun isin irra jiru ta'uu isaa beekaa! [12]Halkanichi sokkee, guyyichi dhi'aateera, kanaafis kottaa hojii dukkana keessa hojjetamu of irraa fuunee gannee, mi'a lolaa isa if a keessa ittiin hojjetan ni hidhannaa ! [13]Kottaa amala keenya tolfannee akka warra if a guyyaa keessa deddeebi'aniitti jiraanna malee, albaadhummaatti yookiis machiitti, halalummaatti yookiis gad-dhiisatti, nama loluutti yookiis weennootti hin jiraannu. [14]Gooftaa Yesus Kristosin akka uffata sibiilaatti uffadhaa malee, hawwa namummaa foonii raawwattanii isas gammachiisuudhaaf garaa hin kenninaa !**

**13:11**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"kana beekaa"** |
| **KJHH** | **"beekaa"** |
| **KQSHH** | **"kana biratti"** |
| **TIV** | **"kana gochuu qabdu"** |
| **NKQJ** | **"kana malee"** |

Kun isa itti aanu mala ittiin waldhugsiisanidha. (lak 11-14) isa duraa waliin (lak 9-10). Warra sagalicha dhagahan qofa odoo hin taane warra godhan ta'a. Jaalalli gochaanidha.

▣ **"yericha beekuun"** Jechi yeroo (Kairos) kun yeoo addaatiif fayyada. yeroo maraaf miti. (chronos) Amantoonni Kiristoos yeroo maratti ni dhufa jechaa jiraachu qabaniifi.

▣ **"yerichadha"** dubbiin "yericha" (wangeela Yohaannis keessa jira) jedhu yeroo adda ta'e tokko agarsiisa. (karios wal fakkaata) karoora dhiifama Waaqayyoo keessatti. (3:26, 1Qor 7:29; 10:11; Yaq 5:8; 1Phex 4:7, 2Phex 3:9-13; 1Yoh 2:18; Mul 1:3, 22:10) Yeroo fannoo fi deebii yesuusti fayyadani.

▣ **"irribaa"** jechi kun asitti dubbi dalgaa ittiin haamilee fi hanqina afuuraa itti agarsiisuuf dhufedha. (Efs 5:8-14, 1Tas 5:6) Jechoonni iddo jiranitti hiikkaa kennu. Hikkaa walmakoo irraa of eeggadha. Jechoonni hiikka hedduu ni qabaatu.

▣ **"yeroon fayyinaa waan dhiyaatee"** Fayyinni murtoo fi deemsa jalqabaati. Mataduree addaa 10:14 ilaalaa. Hanga amantoonni qaama haarawaa hin arganneeti fayyinni guutuu miti (1Yoh 3:2; 1Tas 4:13-18; Ibr 9:28, 1Phex 1:5) kun xinamantiin "ulfina" (Rom 8:30) jedhama. Amantoonni hundinuu bara jireenyasaanii keessa kiristoos deebi'uun hawwiisaaniiti. (Luq 21:28) Phaawuloosis adda miti (1Tas 4:15)

▣ **"yeroo amanne caalaas"** kiristaanummaan murtoon eegale (battala qajeelinaa fi qulqullinaa) garuuu jireenya Waaquma (qulqullina tarkaanfataa) eegalee jireenya kiristoosummaan xumuramu (ulfinaan) qaba. Namni tokko

afeerraa Waaqayyoo isa kan Kiristoos (Yoh 1:12; 3:16; Rom 10:9-13) fudhachu qaba. Murtoon duraa kun eegala malee xumura miti.

▣ **“halkanichi darbee sokkeera”** kun bara xuraawaa kana kan agarsiisudha. Isa mancaa’aafi darbaa, garuuu bakka buufamaa jiru (1Qor 7;29-31; 10:11 Yaq 5:8; Efs 5:8, 14; 1Yoh 4:7; 2Yoh 2:17-18; Mul 1:3; 22:10) mataduree addaa 12:2 ilaalaa.

▣ **“guyyaan dhiyaateera”** guyyaa xumuraati (Filp 4:5; Yaq 5:9) Eegi gaafa yesuus fooniin dhufee guyyaa xumura irra jirra. Kan xumuratu gaafa inni ulfinaan mul’atedha. Amantoonni hundi jaarraa duraa irraa eegalee turtii dheeraa Kiristoositti ajaa’ibamani jiru. Haa ta’uuti, barri haarawaa Kiristoosin ni bariiha.

▣ **“fuunee gannee … ni hidhanna”** yaadannoo waan carraadhaan ta’udha. Garagaalchisaa “ofii keetiin of gatiiti… of hidhadhu isa dhumaaf” Lameen Waaqayyoo fi namni qajeelummaati (qalbi diddirrachuu fi amanuuti) fi qulqullummaa (jireenya Waaquma si’aayinaa qabu. Dubbiin dalgaa uffataan qabatee jirtu kun amala Phaawuloosi. Amantoonni uffata ciisicha ofitti baasanii meeshaa lolaa naqachuun (Efs 4:22-25, Qol 3:10, 12, 14) qaban. Nuyi kiristaanoota lola afuuraa hidhatee qophaayee jirudha. (Efs 6:10-18)

▣ **“meeshaa lolaa ifa keessaa”** kun ittin lixa Isa 59:17ti. Amantoonni dirqama meeshaa lolaafi qajeelummaa (2Qor 6:7; 10:4; Efs 6:11, 13; 1Tas 5:8) hidhachu qaban. Meeshaan lolaa kan Waaqayyoo amantoota hundaaf ni jira garuumoo isaan: (1) fedhisaani hubachu (2) dhiyeessi Waaqayyo beekuu fi (3) beekaa fi dhuunfaan ilaalchaa fi jireenysaanii guyyuu keessatti naquu qaban. Yoo mara waraanni (lolli) afuuraa ni jira.

**13:13 “Koota amala keenya tolfanna”** Kun jecha dubbii Ibrootaa biddiqa jireenyaati. Phaawuloos kana si’a 33 oli ittifayyadame.

Tarreeffamni cubbuu lakkoofsa kana keessaa cimdii sadii jechoota lamarraa bahedha. Jechonni kunneen walirra dhufa hiikkaa ni qaban. Moggaayina ni qabu jechuun ni danda’ama. Mataduree addaa : Dachaa fi Lakkuu 1:28-32 ilaalaa. Jechi kun feetu muddama waldaa Roomaa keessatti amantoota yihudiifi Ormoota gidduu jiri kan ilaallatu ta’a. amantoonni Ormaa haarafni (1) aadaasaanii waamaleeyumma waaqeffachuu itti fufanii jiru ta’a ykn (2) gaggeessitoota amantoota yihudii warra sababa muuroo gadhiisanii bahani turan amma garuuu deebi’aa jiran aarsuuf mormiin kan dhaabbattan keessattumoo yihudoonni Roomaa keessatti safuu isaanii dhowwamuun wal qabatee ta’a.

▣ **“Albaadhummaatti fi machiitti”** kun waan adii malee salqunnamtii warra waaqmaleeyyi ta’aniifi duudha dhugaatii machiisaanii agarsiisuufi. cubbuu foonii Gal 5:21 keessatti tarreeffaman keessatti jechoonni kunis galanii jiru.

▣ **“halaalummaatti fi gadhiisiitti”** cimdiin kun cimdii duraa waliin kan walirra bu’u fakkaata. Jechi lammata bal’inaan Kakuu Haaraa keessatti hojiirra ooleera. (Marq 7:22; 2Qor 12:21; Gal 5:19; Efs 4:19; 1Phex 4:3; 2Phex 2:7) yoo inni duraa dhugaatii irratti kan xiyyeeffatu ta’e inni kun halaalummaa irratti ta’a, gadhiisii isa hawaasummaanu hin to’atamne ta’a.

▣ **“nama loluutti ykn weennoti hin jiraanu”** Jechichi lola nama giddu jiru (Gal 5:20) dubbata. Kun sirnaa’alumma cimdii lameen duraa agarsiisa. Yoo kun kan kiristaanatti himamu ta’e (1Qor 3:3; Qol 3:8) jireenya amantootaa keessatti kan dhaabbatu qabu shaakala amantii waaqmaleeyyoota agarsiisa. Haa ta’u, akka yaadaati lakkoofsi kun fuggina amantoota waan ta’eefu miira sanaan, akeekkachisadha.

**13:14 “Yesuus Kiristoos akka uffata sibilaatti uffadha malee”** Dubbiin kun uffata gooftummaa Yesuus isa amma gateetti amantoota irra buufame (quqlullina gitaa) ti firooma. Hayyoonni garii akka uffata cuuphaatti ilaalu. Dubbiin uffannaa kun dursa lak 12 keessatti mul’ate. Amantootatti kara gita haarawaa Kiristoosin, argamu qabsiisuuf ture. Amantoonni biddiqa jireenyasaanii haarawa filatan akka agarsiisu qabanis itti xiyyeeffata. (qulullina dagaagaa) sababa gitasaanii haarawa Kiristoosin argataniin. (Efs 4:22, 24, Qol 3:8), Gal 3:27 keessatti dhugaan kun haqaatti dubbattameera, agarsiisa, asitti moo akka ajajaati.
Muddamni dubbii agarsiisa ta’eefi ajaja ta’e kun muddama gita keenya kiristoosinii fi lola keenya sana bira gahuuf ta’aa jirudha. Nuyi yeroo faffinaa keenyaatti qululloota turre, garuuu akka qulqulloota taanuuf moo ni

gorfamana. Kun bitaatummaa Kitaaba Qulqulluu fayyina Kiristoosin fi jireenyaan Kiristoosin fakkaachu guutuufi tolaati.

▣ **“garaa hin kenniinaa”** kun **(**present middle imperative) dha. Seerlugni akkanaa waan hojiirra jiru tokko dhaabsisuudha. Kunis Kiristaanonni muraasni Roomaa jiraatan jireenya hamilee sirnaa’alummaa jiraachaa jiruu agarsiisuuf fakkaata. Kun feetu waaqeffanna waaqmaleeyyummaa isaanirra deebisuuf kan jedhame fakkaata.
Waa’ee barsiisa kiristaanummaa foonii Kakuu Haaraa ibsuun rakkisaadha. Barreessitoonni Kakuu Haaraa haala sanyii namaa ifaafi dukanatti kaa’an kiristaanummaan foonii jechumattu walfaalleessa. Garuuu dhugaa jireenya keenyaa isa “ta’ee darbee” garuu moo “hin xumuramnee” ti. Phaawuloos namooma iddoo saditti hiree naqa (1Qor 2:14-3:1):

1. Nama uumamaa (namooma bade) 2:14
2. Nama afuuraa (namooma baraarame) 3:1
3. Nama foonii (kiristaanoma foonii ykn kiristaana daa’imaa) 3:1

▣ **“hawwa namooma foonii”** Phaawuloos balaa kufaatii keenyaa Addaam irraa dhaallee ittimoo fufne jirruu caalaatti ni beeka. (Rom 7, Efs 2:3) garuuu Yesuus Waaqayyoof akka jiraannu (Rom 6) humnaa fi fedhiisaa nuuf kenneera. Qabsoo itti fufee jirudha. (8:5-7, 1Yoh 3:6-9)

**GAAFFILEE MARIIDHAA**

Kun ibsituu qajeelcha qo’annoti. Kun jechuun ati hiikkaa kitaaba Quqlulluu keessatti ittigaafatamodha. Hundi keenya ifa qabnu keessa socho’uu qaban. Ati, kitaabni quqlulluu fi afuurri qulqulluu hiikkaa keessatti dursa qabdu. Kana ibsituu wajjin walitti laaqu hin qabdan.
Gaaffiilee marii kunneen dhimmoota muummee kutaa kitaaba kanaa ta’an irratti akka itti xiyyeeffattan gargaaruuf kan dhiyaatedha. Ilaalcha akka daddammaqsniif malee hiikka akka itti laattaniif miti.

1. Dubbiin Phaawuloos waa’ee mootummaa kiristaanota ganamaa irratti dhiyeesse hunde qabeessa maaliif ta’ee?
2. Kiristaanonni bifa mootummaa isa kamiifu gad jechuu isaanii ta’aa?
3. Kiristaanonni gaaffiilee mootummaa irraa isaaniif dhiyaatu kamiifu gad jechuun isaaniif ni ta’aa?
4. Lakkoofsi 1 humna mirga moototaa barsiisaa?
5. Phaawuloos akka xinamantiitti cabsee waan haarawa lafa kaa’e moo ykn sagale Yesuus Matt 22:21 irratti dubbateen miltoma jiraa?
6. Abboomamuu diduun sivilootaa kiristaanoota murtooti ni dhiyeessaa? (HoE 5:25-32)?
7. Akkamitti lak 4 dhimma murtii adaba du’aa wajjin walitti hidhataa?
8. Qalbiin kiristiyaanotaa yoo mara sirriidhaa (lak 5)?
9. Lakkoofsa 8 irratti hundaa’un, amantoonni kardii liqaa qabaachuu hin qabanii?
10. lakkoofsi 8 waa’ee jaalala nuyi kiristaanotaaf qabnu moo nama hundaaf qabaachu qabnu haasa’a?
11. Phaawuloos abboommi kurnan maaliif akka daddamqinaatti amantoota kakuu haarawaaf itti gargaaramee?
12. Maaliif Phaawuloos amantootatti hirkatee cubbu jeequmsaa kana tarreessuu barbaadee?
13. Akkamitti namni tokko “Kiristoos Yesuusin uffachuu” danda’aa?

# ROOMAA 14

| HIRAMSA BUFATA HIIKKAA HAMMAYYAA | | | | |
|---|---|---|---|---|
| YBS4 | KJHH | KQSHH | TIV | KQJ |
| Obboleessa keeti hin muriin | Seera walaboma | Jaalalli soda Orma kabaja qaba | Ormatti hin murtiin | Warra soda qabani gara laafmu |
| 14:1-12 | 14:1-13 | 14:1-4 | 14:1-4 | 14:1-12 |
| | | 14:5-6 | 14:5-12 | |
| | | 14:7-9 | | |
| | | 14:10-12 | | |
| Obboleessi kee akka gufatu hin godhin | Seera jaalalaa | | Akka warri kaan kufan hin godhiin | |
| 14:13-23 | | 14:13-23 | 14:13-18 | 14:13-15 |
| | 14:14-23 | | | 14:16-21 |
| | | | 14:19-23 | |
| | | | | (14:22-15:6) |
| | | | | 14:22-23 |

**MARROO DUBBISAA SADAFFAA FEDHA BARREESSAA KA'UMSAA SADARKAA BUUFATAAT HORDOFUU**

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti. Kun jechuun ati hiikkaa kitaaba qulqulluu keetiif ittigaafatamodha. Hundi keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni Qulqulluufi afuurri Qulqulluu hiikkaa keessatti dursa qabu. Kana ibsituu wajjiin walitti laaquu hin qabdan.

Boqonnicha taa'umsa tokkoon gadi taa'ii dubbisi. Dhimmicha addaan baafadhu. Hiramsa dhimma kee hiramsa hiikkaalee shaman irra keessa jiran wajjin wal cina qabii madaali. Buufanni afuurahuun miti. Garuuu fedha barreessichaa ka'uumsaa hordofuuf furtuudha, isa handhura hiikkaa ta'ee jiruuf. Buufanni hundi dhimma tokkoofi tokko qofa qaba.

1. Buufanni dursaa
2. Buufanni lammataa
3. Buufanni sadaffaa
4. Kkf

**ILAA QABIYYEE LAKKOOFSA 1-12Ti**

A. Boqonnaan kun ittigaafatamaafi bilisummaa kiristaanota wal madaalichisuu yaala. Boqonnaan barruudhaa hanga 15:13ti iffi fufa.

B. Lakkoofsi boqonnaa kana afarsu rakkina amantoota Ormaafi yihudaa waldaa Roomaa keessa jiraniiti (ykn muuxanno Phaawuloos dhiyeenya Qoronxoosi argames ta'uu ni danda'a. Jijjiirama dura yihudoonni akka seera beektootaati warri Waaq maleeyonni moo sirnaa'aluma beekkanu turan. Boqonnaan kun hordoftoota jaalatamoo Yesuusiif kan akeekkatedha. Boqonnaan kun amantoota foonii hin ilaallatu (qQor 3:1). Ka'umsi

guddaan lameenifudha. Fixee lameeniinu balaan ni jira. Mariin kun hayyama seera injiruu ykn walabooma afarsuu miti.

Phaawuloos Qoronxoos taa'ee Roomaatti barreessu hin dagatina. Achi rakkina garee uumuutu jira, garanamoo amantoota gidu garaagarteetu jira.

C. Amantoonni xinamantiisaanii ykn naamusasaanii sadarkaa amantoota cufaa gochuurraa ofeggachuun gaariidha. (2Qor 10:12) Amantoonni cufti ifa qaban keessa socho'uun gaariidha. Garuuu xinamantiinsaanii xinamantii Waaqayyoo akka hin taane hubachuu qaban. Amantoonni ammallee cubbuun miidhamaa jiru. Yoo mara jaalalaan waljabeessuu, gorsu barsiisuu qaban. Kitaabicha irraas ragaaafi muuxannoo dhiyeessuun ta'uu qaba. Hanguma namni tokko caalatti beekaa deemetti hangasu akka hin beekne ture of beekaa deemaa (1Qor 13:12).

D. Amalliifi kaka'umsi nam tokko Waaqayyo duratti qabu gocha amantoota Biroo sakatta'uuf furtuu sirriidha. Kiristaanonni akkamitti akka wal qananiifataaa turan Kiristoos duratti murtiif ni dhiyaatu. (lak 10, 12 fi 2 Qor 5:10)

E. Maartiin Luutaar "Kiristaanni gooftaa tolaa hundaati, kan nam tokko miti, kiristaana tajaajilaa nama hundaati, kan nam hundaa" dhugaan Kitaaba Qulqulluu garagaalcha kana muddamaan guutame dhiyaata.

F. Dhimma rakkisaa garuuu murteessaa ta'e kun Rom 14:1=5:13 fi 1Qor 8-10 fi Qol 2:8-23 keessatti ka'eera.

G. Haa ta'u, amantoota jaalatamoo biratti dachoomni waan yaraa akka hin taane eeramu barbaachisa. Amantoonni cufti jabinaafi laaffina ni qabu. Cufti ifa qabuun/qabduun/ sochoo yoo kan qaban ta'u afuuraafi kq ti baanaa ta'anii ta'u qaba. Yeroo naaduraa dukkanaa keessaan ilaallamu bara kanatti (1Qor 13:8-13) namuu jaalalaan (lak 15) fi nageenyaan (lak 17, 19) gabbina qaamaafi sammuu waliifu socho'uu qaban

H. Jechoonni "jabaa" fi "laafaa" Phaawuloos jara kanaaf kenne nuyiin nu jonjeesseera. Kun fedha Phaawuloos hin turre lameenu garee amantoota jaalatamoo turan. Nuyi amantoota kiristaana Biroo akka keenyatti tolchuu hin qabnu. Nuyi kiristaanomatti walfudhanna.

I. Dubbiin marii waliigala akkanatti tarreeffama akka
   1. Sababa Waaqayyo kiristoosin nu fudhateef nuyi walfudhachu (14:1,3; 15:17)
   2. Kiristoosi gooftaafi abbaa murtii keenya waan ta'eef waliirratti hin murteessiinaa (14:3-12)
   3. Jaalalli bilisummaa caalaa barbaachisaadha. (14:13-23)
   4. Fakkeenya Kiristoos duuka bu'uun mirgoota keessan gaarummaafi gabbina qaama sammuu Ormootaaf dabarsaa (15:1-13)

**QO'ANNOO JECHOOTAAFI GAALEE**

**14:1-4**
**[1]Nama dubbii amantiitti dadhabaa ta'e ofitti qabaa! Isa ofitti qabuun keessan garuu yaada inni fudhateen morkachuudhaaf hin ta'in. [2]Namni waa gargar baasee hub ate waan hundumaa nyaachuu akka danda'u ni amana; inni gargar baasee hubachuu dadhabe garuu, nyaata biqiltuu garaa garaa ni nyaata. [3]Inni nyaata hundumaa sooratu, isa nyaata hundumaa hin sooranne sana hin ceepha'in; inni nyaata hundumaa hin soorannes isa sooratutti hin faradin! Waaqayyo isas ofitti qabeera. [4]Ati inni hojjetaa biraatti faraddu, eenyu ati? Inni yoo dhaabates, yoo kufes gooftaa isaatu beeka; haa ta'u iyyuu malee, gooftichi isa dhaaba-chiisuu waan danda'uuf inni ni dhaabata.**

**14:1**
**KQSAH "amma fudhaa"**
**KJHH "fudhaa"**
**KQSHH, TIV "simadhaa"**
**NKQJ "simannaa kennaaf"**

Dhimmicha irratti xiyyeeffate abboomii deemaa jirudha. "Bakmaqaa" "ati" gochima Giriiki ta'eeti Ingiliffa keessatti ta'eeti kiristaanota "jaboo" (15:1) agarsiisa. Garee lameen waldaa Roomaafi. Akkanuma (1) muddama amantoota yihudaafi Ormoota (15:7-21) ykn (2) namoota gargaraa ta'uu ni mala. Yaadni guutuun kun waa'ee dhugaa, amanoota jaalatamoo, jabinaafi laafina amantiisaanii haasa'a. Amantiin asitti hubannoo wangeelaafi hubannoo walabaafi bu'uura haarawaa agarsiisuuf dhiyaate.

▣
**KQSAH, KJHH "inni amantii dadhabaa"**

**KQSHH, TIV** **"isaan amantiisaaniitti dadhaboo"**
**KQJ** **"yoo amantiin namaa jabaa hin taane"**

Guutoon kun dura buufamuusaatti, barruu Giriik keessatti xiyyeeffannoo godhata. Garuuu akka barruuti "amantiin laaqudha. Hennaan ammaa amala biddiqa jireenyaati xiyyeeffata. Kun ijaarama sammuu seratti hidhate agarsiisa. Kiristaanoni obboleeyyi boqonnaa kana keessatti karaa sadiin kaafamaniiru. (1) soorata dhorkamuu (14:2, 6, 21) (2) xiyyeeffannoon guyyoota addaa (14:6-6) fi (3) dhorkamuu waayine (14: 17, 21) ti. Namni walfakkaataan kun Rom 15:1 fi 1Qor 8:9-13; 9:22 keessatti ka'eera. Kiristaana jabaafi laafa keessatti daftanii of ramaduurraa eeggadhaa. Amantoonni iddoo tokkotti jabaafi Birootti laaffina numa qabu.

Ilaalchi Phaawuloos gama kanatti Gal 4:9-10 fi Qol 2:16-23 keessatti qabu addadha. Barsiisni kun amalaafi barsiisa barsiisota sobaati. Roomaati isaan kun amantoota jaalatamoo irra jireessa ofeeggatoota abaqalbiiti.

MATADUREE ADDAA: LAAFFINA

Fugginni asitti. Barsiisonni sobaa kan of jajan biddiqa afaan tolani hawwachuufi of ta'ina saaniini, garuuu Phaawuloos gatii "dadhabinaa" (astheneo) ni beeka. Jechi kun hangam irra deddeebi'ame akka 1 fi 2 Qorontos keessatti ture hubadha.

| **Of jajaa** | **Laaffina** |
|---|---|
| 1 Qorontos 1:29, 31 | 1Qor 1:25, 27 |
| 3:21 | 2:3 |
| 4:7 | 4:10 |
| 5:6 | 8:7, 9, 10, 11, 12 |
| 1:15, 16 | 9:22 |
| 2Qor 1:12, 14 | 11:30 |
| 5:12 (si'a lama) | 12:22 |
| 7:4, 14 (si'a lama) | 15:43 |
| 8:24 | 2Qor 10:10 |
| 9:2, 3 | 11:21, 29, 30 |
| 10:8, 13, 15, 16, 17 | 12:5, 9, 10 (Si'a lama) |
| 11: 12, 16, 17, 18, 30 | 13:3, 4 (si'a lama) 9 |
| 12:1, 5, 6, 9 | |

Phaawuloos yaada laafinaa kara aheddu fayyadameera.

1. Laafina Waaqayyo 1Qor 1:25
2. Laafina addunyaa keessaa 1Qor 1:27
3. Sodaafi dadhabina Phaawuloos (1Qor 2:3; 9:22, 2Qor 119, 30; 12:5)
4. Phaawuloosiifi garee ergamasaa 1Qor 4:10; 2Qor 11:21
5. Amantoota laafoo (Rom 14:1-15:13), 1Qor 8:7, 9, 10, 11, 12; 9:22)
6. Dhibamuu qaamaa 1Qor 11:30
7. Nafa namooma 1Qor 12:22
8. Qaama namaa 1Qor 15:43
9. Qaamaan argamuu Phaawuloos ykn ogummaa afaan toluu isaa, 2Qor 10:10
10. Laafinni Phaawuloos jabina Waaqayyo guddisee agarsiise 2Qor 12:9, 10; 13:4, 9
11. Ergaa Kiristoos Phaawuloos keessaan 2Qor 13:3
12. Qaama nafaa Kiristoos 2Qor 13:4

▣

**KQSAH** **"yaada inni fudhateen morkachuuf hin ta'iin"**
**KJHH** **"garuuu yaada mormisiisaa irratti waldhabuuf hin ta'iin"**
**KQSHH** **"yaada irrati walloluuf hin ta'iin"**
**TIV** **"waa'ee dhimmasaanii irratti wal hin mormiinaa"**
**KQJ** **"odoo waldiddaa hin eegaliin"**

Amanotonni amantoota Biroo isaan jijjiiruuf osoo hin yaaliin waliin turuu ni danda'u. Kun mirga qalbii abaa bu'uura waloomaati malee humnaan gamtoomu miti. Amantoonni hundi deemsarra jiru, afuuraaf akkanni hojjetu yeroo kennuufi bilchinatti wal garuuuf, garuuu bilchina keessati, hundi walii galuu dhiisuu danda'a.

**14:2** sooranni lakkoofsa kana keessatti dhiyaate dhimmaa amantiif malee qaamaaf miti. Rakkinni sooorataa kun iddo madda lamaa ka'a (1) seera soorata yihudoota (lew 11) ykn (2) foon aarsaa waaqmaleeyotaa (1Qor 8-10)ti. Yesuus sooranni waan nama isa malee akka hin taane beekeera (Matt 15:10-20, Mar 7:14-23). Dhugaan kun Pheexroositti waa'ee Qorneeliwos irratti HoE keessatti mul'ateera.

**14:3 "Inni nyaata hunduma sooratu**, … hin qabamiin" "Hin qabamiin" Gocha godhamaa jiru haa dhaabatu jechudha. "qabamu" jechuun "ifa baasuu" "ifa gochuu" ykn "gatii dhaabatti lakkaa'udha (14:10; Luq 18:9; 1Qor 6:4; 16:11; 2Qor 10:10; Gal 4:14, 1Tas 5:20) Amantoonni qajeeloma ofii gad nama deebisurra of eeguu qaba. Inni amantiin jabaa isa laafaa balaaleffachu qaba.

▣ "Murtii" Waan gocharra jiru dhaabu jechudha. Warri amantiin laafaa murtii gocha obboleeyyan isaaniin walii galuu didan irratti dabarsuuf turan akka dhaabaniifi.

▣ "**Waaqayyo isas ofitti qabeera"** Kun (aorist middle indicative) dha. Jechi walfakkaataan kanaa "fudhachu" isa jedhutti lak 1 keessatti hiikkameera. Bu'uurri walfudhachuu amantoota Waaqayyo karaa Kiristoosin (15:7) waan isaan fudhateefi. Yaadni lak 3 dhaa kiristaanaa laafaa ta'e, safeeffataatti dubbata.

**14:4 "eenyu atii"** obboleeyyaan laafaa ta'an kan agarsiisu xiyyeeffanno Giriikootaati.

▣ "**hojjetaa"** jechi kun jecha 'Oiketes' jedhu Oikos isa jedhurraa kan tolfame "mana" (Lue 16:13; HoE 10:7; Rom 14:4; 1Phex 2:18) kitaabicha keessati bifa kanaan tajaajila (Uma 9:25; 27:37; 44:16, 33; 50:18). Kakuu Haaraa keessatti garuuu jechichi akka garbaattiykn garadiitti tajaajila doulos miti. Hojjettu mana ykn garba agarsiisu ni danda'a.

Yaadni Phaawuloos asitti garuuu amantoonni garboota/tajaajiltoota kiristoosidha. Inni Gooftaasaaniiti. Isaa fi isa qofatu isaan qajeelcha, isatus ittigaafatamoota gochasanaiifi kaka'umsasaanii (2Qor 5:10) isaan godha.

▣ **"gooftichi isa dhaabbachiisu waan danda'uuf ni dhaabata"** ifaadhaan Phaawuloos warra safeeffatan gahaa jira, garuuu jechichi garee lameeniinu ni ilaallata. Amantoonni huuba ijasaanii keessaa baafatuuf caalaatti hojjechu qaban (Matt 7:1-15)

▣ **"Inni yoo dhaabates yoo kufes gooftaasaatu beeka"** kun abdii bareedaadha. (5:1-2; Yihu 24-25). Walgargaara amantoota ni dabalata (1Qor 15:1-2) mataduree addaa : Dhaabii 5:2 ilaala.

**14:5-9**
**[5]Namni guyyaa tokko guyyoota warra kaan irra caalchifatu jira; inni kaan immoo guyyoota hundumaa wal qixxeetti ilaala. Kana irratti namni adduma addaan akkuma fudhatetti yaada isaa gar tokkotti haa kutatu! [6]Namni guyyicha yaadatu gooftaadhaaf isa yaadata; inni nyaata hundumaa sooratu Waaqayyoon waan galateeffatuuf, gooftaa isaatiif hojjechuudhaaf ni soorata. Inni nyaata hundumaa hin soorannes gooftaa isaatiif hojjechuudhaaf soorachuu dhiisa, Waaqayyoon immoo ni galateeffata. [7]Nu keessaa tokko illee akeeka ofii isaatiif hin jiraatu; tokko illees akeeka ofii isaatiif hin du'u. [8]Yoo jiraanne, akeeka gooftichaatiin jiraanna, yoo duunes akeeka gooftichaatiin duuna; egaa jiraannus duunus nuyi kan gooftichaa ti. [9]Gooftaa warra du'aniif warra jiranii ta'uudhaaf, Kristos du'ee deebi'ee jiraate.**

**14:5 "Namni guyyaa tokko warra kaanirraa caalchifata"** Namoonni gariin ammalle dhaha lakkaa'u waa'ee amantiif (Gal 4:10; Qol 2:16-17) Guyyoonni hundi kan Waaqayyooti. Guyyaan adaa hin jiru. Kan "aarsaa malee" fi "aarsaa" wanni jedhu hin jiru. Hundinuu guyyaa aarsaati.

▣ **"akkuma adda adda fudhatetti yaada isaa gara tokkotti haa kutatu!"** Kun nageenya naannoo kanaaf furtuudha. Amantoonni gochasaaniin yakkamu. (lak 23) Garuuu amantoota hundaaf miti. Waaqayyoo uuboo xinamantii koo keessa jiraata miti. Xinamantiin kook an Waaqayyooti jechuu dirqama miti.

**14:6 "gooftaadhaaf**" Guutoon kun si'a sadii lak 6 keessatti si'a lama lak 8 keessatti tajaajile. Filannoon biddiqa jireenya amantoota jaalatamoo hundaa "Gooftaaf" tolfamu qabu. Efs 6:7 fi Qol 3:23) filannoo dhuunfaa miti.
14:7 "Nu keessaa tokkollee akkeeka ofiisaatiif hin jiraatu," kiristaanni kamuu oddoola miti. Kiristaanni jalqabaa hanga dhumaatti Kiristoosiif jiraata. (lak 8) Gochii amantootaa Orma ni miidha. Isaan garuuu maatii afuuraati. Kanaafuu, bilisummaa dhuunfaasaanii jaalalatti daangeessuu qabu. (1Qor 10:24, 27-33). Warri kaanis akka gara qajeelummaa ofiitti geessa, inni moo kan Waaqayyoo miti. Sagaleefi balaaleffannoon jabaa Yesuus gara fariisoota of qajeeloo of godhanii ture.

**14:8 "yoo… yoo**…" gocha fulduratti ta'uu danda'udha.

**14:9 "Gooftaa warra du'aniif warra jiraniif"** kun tarree jechoota kanaa ammaan dura hin turreedha. Tarreen kun du'aafi du'aa kan Yesuusidha. Inni amma birmaduu mootummaa lammeniiti.

Kun xinamantii maaliif kiristaanonni ofiisaaniif osoo hin taane Orma amantootaaf jiraatan uuma. Isaan kan ofii miti, gatiin bitaman isaan tajaajiloota Yesuus, isa cubbuusaaniif jedhee du'e ammaan boodas cubbuutti garba hin taaneef, Waaqayyoof malee (Rom 6) Amantoonni jireenya Yesuus tajaajila jaalatu fedha ofiittummaasaanii du'ee agarsiise irraa baratu qabu (2Qor 5:14-15; Gal 2:20; 1Yoh 3:16)

**14:10-12**
**[10]Ati garuu maaliif obboleessa keetti faradda ree? Y ookiis ati maaliif obboleessa kee ceephaata ree? Hundumti keenya barcuma firdii Waaqayyoo duratti dhi'aachuuf jirra. [11]Caaffata qulqullaa'aa keessatti, "'Dhugaa ana isa jiraataa! Jilbi hundinuu anaafjilbeenfachuuf, arrabni hundinuus ani Waaqayyo akkan ta'e beeksisuuf jiru' jedha gooftichi" kan jedhu caafameera. [12]Kanaafis nu keessaa hundumtinuu adda addaan waan godhe sababii isaa wajjin Waaqayyotti himuuf jira.**

**14:10 "Atii garuuu"** kun xiyyuuf fuldura bu'e.

▣ Gaaffileen lameen lak 10 xiyyeeffannoo lak 1-12ti. Gareen tokko lameen lak. 3 keessaa ammas fugginfamaniiru. Gareen tokko "Abbootii firdii" gareen Biroo "tuffatamoo" Haalli lameenu hojjettoota sirnaa'alummadha. Gooftaasaanii, yesuus Kiristoos, qofaatu mirga "qeequu" ykn "tuffachuu" danda'a. Amantoonni akka ab murtii ta'uuf (1) iddo Waaqayyo saamu fi (2)dursanii dhufuu oddo qopheessuufi hankaakkadha.

▣ **"Hundi keenya barcuma murtii Waaqayyo fulduratti dhiyaachuuf jirra" Dhugaan kun 2Qor 5:10 keessatti ka'eera. Amantoonni akkatti wal qananiisan Gooftatti dhiyeessu qabu.** Yesuus akka ab. Murtii human qabeessaati (Matt 25:32-46)

KJHH "barcuma murtii Kiristoos" kan jedhu qaba. Barruun Giriik KJV deggerru warra sirreessitoota Giriik ganamaa durdurii ?$^2$ fi $C^2$ dha. Theos in jedhu MSS ?, B, C, D, F, fi G, keessa ni jira.

Barreessitoonni barruu Giriik 2Qor 5:10 akka mirkansu godhaniiru ta'a. Barreessitoonni lakkoofsa kana ittin yaada Kiristoosiin "guddifatu" jedhu mormuuf hiikaniirus ta'uu ni danda'a. Garaagarteen barruu hedduu barricha caalatti sirrii gochuuf godhaman fakkaatan ni jiran (Bart D. Ehrman's The Orthodox Corruption of Scripture) kitaaba ful 90-91 keessatti tuqeera.

**14:11 "Waan barreeffameef"** Kun jecha dubbii adda ta'e dubbii Kakuu Moofaa tuqachuuf aggaamamedha. Kun itti lixa Isa 45:23ti darbe Filp 2:10-11 keessas ni jira.

▣ **"ana isa jiraataa"** kun kakata maqaa kakuu Waaqayyoon YHWHn taphatamudha. YHWH gochima Ibrootaa "ta'uuf jiru" jedhuti. (Ba'u 3:14) Inni barayyu jiraata, jiraataa qofaa Waaqayyodha. Kanaafu jiraatuu isaatiin kakata.

**14:12 "hundumtiinuu adda addaan waan godhe sababii isaa wajjiin Waaqayyootti himuuf jira"** Kiristaanni murtiiti ni dhiyaata (2Qor 5:10), obboleessa ceepha'uun qaama kanaatti Barruu Giriikoota durii "Waaqayyoof" jedhu hin qabu. Akka yaadaatti hojiirra oola. Gargaagarteen kun garaagartee lak 10n ni raafama.

**ILAA QABIYYEE ROOMAA 14:13-23**

A. Dhimmi akkamitti kiristaanni akka walgargaaan lakk 1-12 keessatti eegala. Bu'uura dhugaa kiristaana gosa hunda fudhachu akka qaban irratti hundaa'a sababni Kisistoosi, gooftaafi abbaan murtiisaanii, lameensaanii waan fudhateefi. Wantoonni afuuraa garee tokkoof barbaachisoo ta'an sababa wanta akkanaa, gosa namoomsaanii, firoottansaanii, filannoo dhuunfaasaanii, muuxannoosaanii kkf Waaqayyoo barbaachisoo hin ta'an.

B. Kutaan lammataa mariin bilisummaafi ittigaafaamni kiristaanotaa dhimmicha kallatti hedduutti dagaagsee jira. Lakkoofsa kana keessatti jaalala amantootaa Waaqayyoof qabantu, kiristoosin, akkanni kiristaanota obbolii gargaarii jaalatu isa godhe. Akka Yesuus lubbuu isaa amantoota gate, isaanis warra inni du'eef bilisummaasaanii gatan bu'uura kiristaanotaati duraanis 13:8-10 keessatti walitti dhufeenya amanototaafi al amantootaan hidhatee mul'atee jira.

C. Kiristaanota gariif dhugaan wantii hundi qaama addunyaa keessatti qula'aadha inni jedhu hin fudhatamu. Amantoonnilee komii cubbuu qaban "wantootarra" kaa'u. Ofirra kaa'uurra Phaawuloos wanti hundi qula'oo ta'u irra dedeebi'ee eereera (14:14, 20; 1Qor 6:12; 10:25-26; 1Xim 4:4; Tit 1:15) Dubbiinsa barsiisa Yesuus waa'ee sooorataa Marq 7:18-23 boodadha. Soorata qulqulluufi al qulqulluu ta'e agarsiisuu kan barbaade Phaawuloos Waaqayyo Qorneeloos HoE 10:15 keessatti fudhachuu argisiisuufidha.

D. Kutaan kun dursee "obboleessa jabaa" gahuufidha. Dhugaa walakkaa dubicha "wanti hundi quqlulluu" jedhu Phaawuloos waliigalee, garuuu wanti hundi maatii Waaqayyo akka hin ijaarre ykn beekkomsaan hin gabbifne itti dabala. (1Qor 6:12; 10:23) Bilisummaan obboleessa jabaa obboleessa kiristaanaa ni miidha. Amantoonni eegdota obboleeyyansaanii karaa kiristoos deebisee kiristoosifidha.

E. Phaawuloos "obboleessi laafaa" deemsa afuuraan gara "obboleessa jabaatti" dhufuu danda'u osoo hin tuqiin hafuun nama gammachiisa. Mariin kun cufti ayyaana guddachuu hin ilaallatu, garuuu hubannoo kiristaana gargaaraatti giddutti akka jaalalli dursu malee. Garee lameen keessaa tokkotti qabamuun amantootaa irra guddeesse akka namoomaa, shaakala amantiifi muuxannoo dhuunfaa "sirrii" ykn "miti" hojiin amantootaa jaalachuufi kabajuu malee jijjiiruu Ormaa miti. Dhimma laphee malee sammuu miti. Waaqayyo jaalate, fudhate, achi ilmasaa sanyi namaaf kenne, garee lameeniifu.

**QO'ANNOO JECHAAFI GAALEE**

**14:13-23**

**[13]Egaa kottaa walitti hin farannu, isin gufuu aura keessanii obboleessa keessan karaa Waaqayyo irraa akka hin gufachiifneef murtoo godhaa malee. [14]Ani karaa gooftaa Yesus wanti tokko illee ofii isaatii xuraa' aa akka hin ta' ni beekeera, fudhadheeras; namni tokko wanti kun xuraa'aa dha jedhee yoo amane garuu, isaaf xuraa'aa ni ta'a. [15]Nyaanni ati nyaattu yaada obboleessa keetii yoo miidhe, ati jaalalatti qabamtee jiraatta miti; nyaata ofii keetiif nyaattuun nama Kristos du'eef, gara badiisaatti hin geessin. [16]Kanaanis wanta gaarii Waaqayyo biraa argattan hin arrabsiisinaa! [17]Mootummaan Waaqayyoo, mootummaa qajeelummaa, nagaa fi gammachuu warra hafuura qulqulluu biraa kennamanii ti malee, mootummaa nyaataa fi dhugaatii miti. [18]Namni isaan kanatti qabamee Kristosiif hojjetu, Waaqayyoon ni gammachiisa, namoota birattis ni fudhatama. [19]Kanaafis kottaa wanta nagaaf ta 'u, waan ittiin jireenya tokkummaa waliif ijaarru duukaa ni buunaa! [20]Nyaataaf jettee hojii Waaqayyoo hin diigin; wanti nyaatamu hundinuu qullaa'aa dha; namicha nyaata isaatiin nama gufachiisuuf garuu gadhee dha. [21]Egaa foon nyaachuu, daadhii waynii dhuguu yookiis waanuma obboleessi kee ittiin gufatu dhiisuun gaarii dha. [22]Waan qajeelaa dha jettee amantee fudhatte immoo, ofii kee fi Waaqayyo gidduutti qabaadhu! Namni want a hubatee fudhate sanatti deebi'ee ofitti hin faranne gammachuu qaba. [23]Namni mamaa nyaatu garuu, amantiidhaan waan inni hin fudhatiniif itti ni faradama; wanti amantiidhaan hin hojjetamne hundinuu cubbuu dha.**

**14:13 "Egaa koottaa walitti hin faradnu** Kun akeekachiisa osoo hin taane dhorkudha. Kunis lak 16 waliin walfakkidha. Jechi "faraduu" jedhu kun lak 1-12 keessatti Phaawuloos si'a 5 fayyadameera, ammammooo lak 13-23 keessatti si'a afur dabalataan fayyadame.

**MATADUREE ADDAA: KIRISTAANNI WALITTI NI FARADAA?**

Dhimmi kun karaa lamaan ilaallama. Dursa amantoonni akka walirratti hin faradne ni gorfamu (Matt 7:1-6, Luq 6:37, 42; Rom 2:1-11; Yaq 4:11-12) Haa ta'u amantoonni akka gaggeessitoota qoratan ni gorfamu

(Matt 7:6, 15-16, 1Qor 14:29; 1Tas 5:21; 1Xim 3:1-13 fi 1Yoh 4:1-6)ti.

Waaqayyoon qorannoo muraasni ni gargaara.

1. Qorannoon akeeka mirkansaaf ta'uu qaba (1Yoh 4:1 "qorumsa" ilaalcha mirkansaaf)
2. Qorannoon kabajaafi sirna qabeessaan ta'uu qaba (Gal 6:1)
3. Qorannoon dhimma filannoo dhuunfaa irratti xiyyeeffatu hin qabu (Rom 14:1-23, 1Qor 8:1-13; 10:23-33)
4. Qorannoon gegeessitoota "qeeqaaf harki hin jirree" waldaafi hawaasa keessaa adda ni baasa (1Xim 3)

▣ "isin gufuu gufa'u karaarra keessanii obboleessa keessan karaa Waaqayyoorra akka hin gufachiifne murtoo godhaa" Gocha godhamaa jirus dhaabsiisiidha. Dhugaa wal fakkaataatu lak 21 fi 1Qor 8:9 keessatti eerameera.

Jechi "gufachiisa" jedhu wanna karaarra taa'e gufachiisu agarsiisuufidha. Jechi "gufuu" jedhu moo kiyyoo bineensaaf kiyyeeffamu agarsiisufidha.

Kiristaanumma wajjin waan walitti hidheef jira. Nuyi tikee obboleeyyan keenyaati, jajjabeessina, ni hiriyoomna, amantiin warrooma.

**14:14**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"Ani karaa gooftaa Yesuus ….. ni beeka"** |
| **KJHH** | **"ni beeka, karaa gooftaa Yesuus amaneera"** |
| **KQSHH** | **"Beekullee gooftaa Yesuusiin amaneera"** |
| **TIV** | **"Gooftaa wajjiin gamtoomun koo naa mirakneesseera"** |
| **KQJ** | **"Amma sirritti beekeera, gooftaa Yesuusittillee nan dubbadha"** |

Jechuunis "beekuu ittuman fufaa, barachaan tureellee, moo amanuu itti fufeen jira." Jechuudha. Kun dhugaa irra deebi'ame lak 5b fi 22-23 ti. Hubannoon amantootaa waa'ee wantoota afuuraa irratti qaban karaa walitti dhufeenya kiristoosiin hafuura qululluun qabanidha. Ifa qabaniin jiraachu qabu.

▣ "Wanti tokkolle ofiisaatiin xuraa'aa" Dhugaan kunillee HoE 10:9-16 keessatti ibsame. Wantoonni amajaajota osoo hin taanee namootatu amajaajiidha. Uumamaan homtuu ofiisaatiin amajaaji miti. (lak 20; Marq 7:18-23; 1Qor 10:25-267; 1Xim 4:4; fi Tit 1:15)

▣ "nama tokko wanni kun xuraawaadha jedhee yoo amane garuuu, isaaf xuraa'aa ni ta'a." Xuraawummaa kuni miira amantiini. Amantoonni gochasaanii qalbiisaaniin qorachuu qaban (lak 5, 22-23) yoo isaanillee waa'ee dhimma ykn gochaa kan dogoggoran ta'e, ifa Waaqayyo duratti qabaniin haa socho'an. Amantoota Biroo ifasaaniin qoruu hin qaban keessattu iddoo walxaxaan jirutti (14:1, 3, 4, 10, 13).

**14:15 "nyaati ati nyaattu yaada obboleessa keetii yoo miidhe"** akeeka barreeffamichaa jedhe kallattiin barreessichaatti dhugaatti tilmaamama. Biddiqa jireenya keenyaa kan murteessu jaalala malee mirga miti, ittigaafatama malee bilisuummaa miti.

Kun (1) seera soorata yihudootaa (Law 11) ykn (2) dhugaa kana ifatti kaa'a.

▣ "ati jaalalatti qabamtee jiraatta miti" kun "seera walaboome" jedhame beekkama (Yaq 1:25; 3:12) ykn "seera gooftolii (Yaq 2:8) ykn "seera Kiristoos" (Gal 6:2) jedhama. Qajeelchiifi ittigaafaamni kakuu haarawaa ni jira.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KJHH** | **"nyaata ofii keetiif nyaattuun nama kiristoos du'eef, gara badiisaatti hin geessiin"** |
| **KQSHH** | **"wanni ati nyaattu nama Kiristoos du'eef gara hin taanetti akka isa oofu hin godhiin"** |
| **TIV** | **"nyaanni ati nyaate akka nama Kiristoos du'eef hin dhiibbanne iti hin dhiisiin"** |
| **KQJ** | **"Wanna feete isa Kiristoos isaaf jedhee du'e kuffistee nyaachuuf nagaa hin taatu"** |

Kun gaalee jabaadha. Bilisummaan kiristaanota garii sababa badinsaa kiristaanoota Biroo ta'uu hin qabu. Kun fayyinna dhabuu hin agarsiisu, nagaa dhaba, wabii dhaba, hojii wangeela jabaa malee.

Jechi “balleessuu” jedhu jecha Giriik lupeo jechuunis “sababaaa aarii, gaddaa, dhukkubaa”ti (LXX keessatttis akkanuma) Phaawuloos jecha kana irra guddeessa 2Qor (2:2, 4, 5; 6:10; 7:8, 9, 11) keessatti fayydame. Balleessuun hiikkaati dheeraadha. Kun dhabama fayyinaa hin agarsiisu, yakka afuura qulqulluun nama ofiin yakka irratti dhiyeessu malee. Yoo gochaan amantootaa kana amantiirra ka’u hin taane cubuudha (lak 23)

**14:16**

| | |
|---|---|
| **KQSAH,** | **“wana gaarii Waaqayyo biraa argattan hin arrabsinaa”** |
| **KJHH,KQSHH** | **“wanna gaarii keessan hin arrabsiinaa”** |
| **TIV** | **“wanna gaariidha jettan akka maqaa badu hin godhiinaa”** |
| **KQJ** | **“caalmaa keessan mariif hin dhiyeesinaa”** |

Bilisummaan salphaatti hayyamatti ni ceha.

“Wanti gaarii” kun lak kana keessaa gocha obboleessa jabaa agarsiisa. Yoo Kiristaanni jabaa akka bilisummaansaati kan socho’u ta’e amantoonni laafoodha daran ni miidhamu, wanni gaariisaanii amajaajiif carraa ni ta’a.

Lakkoofsi kun xiyyeeffannoo walgargaarsa kiristaanaa irraa gara dhimma al amantoootaatti deebisuu kan barbaadu fakkaata (lak 18b). Gocimni jecha “maqballeessi” (dubatame jedhurraa isa al mantootaa fayyadurra fudhatame.

14:17 “Mootummaa Waaqayyoo” Guutoon kun Roomaa keessatti kana qofa. Mata duree yesuus irra deddebi’ee ture. Asitti ammafi dhuumaatii fulduraatti mirkanadha. (Mat 6:10)

Shaakala bilisummaa dhuunfaa caalatti jireenyi gamtaa qaam Kiristoos wajjiini gatii irra qaba. Mataduree itti aanee jiru ilaalaa.

**MATDUREE ADDAA: MOOTUMMAA WAAQAYYOO**

Kakuu moofaa keessatti YHWH akka mooti Israa’elitti (1Sam 8:7; Far 10:16; 24:7-9; 29:10; 44:4; 89:18; 95:3; Isa 43:15 44:7,6) ilaallama; masiiihichi moo akka mootii yaadaan jirutti (Far 2:6)ti ilaallama. Dhalootahuu Yesuus beetelihemiitti qabatee (6-4 K.D) mootummaan Waaqayyoo gara seenaa haarawaa Erm 31:31-34, Hizq 36:27-36) Yohaannis cuupha yeroon mootummaa Waaqayyo dhiyaachu labse. (Matt 3:2; Marq 1:15) Yesuus moo mootummichi isaaniifi barsiisaa isaan dhiyaatu ibsee kaa’e. (Matt 4:17; 23 9:35; 10:7; 11:11-12; 12:28; 16:19; Marq 12:34, Luq 10:9, 11; 11:20; 12:31-32; 16:16; 17:21). Ammalle mootummichi fuldura. (Matt 16:28 24:14; 26:29; Marq 9:1; Luq 21:31; 22:16, 18)

Cinaayina Maarqosiifi Luqaas keessatti gaalee “mootummaa Waaqayyoo” jedhu argina. Mata dureen beekama barsiisa Yesuus kun mootummaa Waaqayyoo laphee namootaa keessa jiru guyyaa gaaf tokkoo ardii guutu irratti xumuratudha. Kun kadhata yesuus Matt 6:10 keessatti mul’ateera. Maatewos Yuhudootaa barreeffame, gaalee maqaa Waaqayyoo (mootummaa jannataa) hin kaafne. Wayita barreeffamni Maarqosiifi Luqaas, Ormootatti barreessan, maqaa ayyaanaa kaasanitti.

Kun gaalee furtuu wangeela Synoptic keessaati. Lallabni yesuus jalqabaafi xumuraafi mammaaksi isaa kanarrattidha ture. Amma mootummaa Waaqayyoo laphee namoota keessaa kaasa kan nama ajaa’ibu Yohaannis gaalee kana si’a lama qofa fayydame. (mammaaka Yesuus keessatti gonkumaa hin fayydamne). Wangeela Yohaannis keessatti “jireenyi bara baraa” jechaafi dubbii furtuu ture. Muddamni kun kan uumame sababa dhufaatin Kiristoos lama ta’eefi. Kakuu Moofaa dhufaatii Masii Waaqayyo tokkuma kaa’a. loltummaa, murtiin, ulfinaan garuuu Kakuu Haaraa moo jalqaba akka tajaajilaa gidiraatti Isa 53n fi mootii gad jedhaa Zak 9:9 ta’e dhufaa jedha. Barnoonni lameen yihudootaa, jallinaafi barri haarawaa qajeelinaa walirri dhufa. yesuus dhiyeenya laphee amantoota keessatti mootoma, gaaf tokkomoo uumama hundarratti ni ta’a. Akka Kakuu Haaraa tilmaamteetti ni dhufa. Amantoonni kan ta’ee darbeefi ta’uu jirutti ni jiraatu (Gordon Di. Fii fi Daaglaas Staart. How to Read The Bible fo All Its Worth ful 131-134)

“qajeelummaa, nagaafi gammachuu warra fuuraa” sadarkaa kana amantootaafi hawaasichaa kan kenne afuuradha. Kun amalaa maatii Waaqayyoo keessaafi alaati.

Jechi “qajeelummaa” jedhu asitti Phaawuloosiin bifa adda ta’een tajaajile. Mataduree addaa 1:17 ilaalaa. Isaaf qajeelummaa seeraan godhame (qorannoo) isa Waaqayyo dhiifama amantootaafi Kiristoosin dhaabbachuuf godhedha. (3:21-31;4). Namoonni cubbamoo akka qajeelummatti lakka’amuu qofa osoo hin taane qajeelaa ta’uudha. Lameen kennaafi galmadha. sullumaafi dhaaba gocha amantiifi jireenya amantiiti. Mataduree addaa

6:4 ilaalaa. 14:18. Amantoonni mirga ofii of daangeessuun amantoota laafoo jedhanii godhan Kiristoosin tajaajiludha. Warra inni du'eefiif jaalachu, of eeggachuu, isaan tiksuu kan caalu karaan jabaa ittin jaalala Kiristoosiif qabnu agarsiifnu hin jiru.

▣ **"Namoota birattis ni fudhatama"** kun karaa itti jaalalli Kiristaanoonni warra kaaniif qaban balbala tajaajilaafi dhugbaate hawaasaaf banu agarsiisanidha. (lak 16; 2Qor 8:21; 1Phex 2:12) Akkitti nuyi hawaasa keessatti amantootaan walqanananiifnu ragaa qixaa ykn bitaati.

**14:19 "koottaa … duukaa buuna"** Jechi, dioko akka dubbi bara Kakuu Moofaa yoo ta'u Septuagintiifi barreeffama Phaawuloos keessatti waan baramedha. Jechunis "dammaqinsaan faana bu'uu jechudha. Ykn "argachuuf jabeessanii yaaluu" dha.

Phaawuloos jecha kana Rom 9:30, 31; 12:13 fi asitti moomiira "faana bu'uu" ti fayydame. Garuuu 12:14 keessatti warra amantoota qoratuufi (1Qor 4:12; ofiisaa, 15:19; 2Qor 4:9; Gal 1:13, 23; Filp 3:6)
YBS4 barruusaa keessatti kaa'eera, garuuu "D" kenneef (rakko guddaa waliin)
Wanni kiristaanni faana bu'uu

1. Keessumeessuu 12:13
2. wantoota nagaa kennaniifi wal ijaaran 14:19
3. jaalala 1Qor 14:1
4. kiristoosin fakkaachuu Filp 3:12, 14
5. waan waliifis Ormaafis gaarii 1Tas 5:15
6. qajeelummaa, Waaqummaa, amantii, jaalalaa dhamaasaafi kabajamummaa 1Xim 6:11
7. qajeelummaa, amantii, jaalalaafi nagaa isaan gooftaadhaan laphee quqlulluun isa yaaman wajjin 2Xim 2:22.

▣ **"waan nagaaf ta'u ittin jireenya tokkummaa waliif ijaarru"** kun galma amantootaa waan hundaani (Far 34:15; Ibr 12:14) bilisummaan dhuunfaa tokkoofi hubannoon xinamantiisaa gara tasgabbiifi guddina qaama Kiristoositti isa geessuu qaba (15: 2; 1Qor 6:12; 14:26; Efs 4:12) mataduree addaa : SAMMUU Gabbatu 15:2 ilaalaa.
▣
**14:20 "Hojii Waaqayyoo hin diigiin"** gocha deemaa jiru dhaabsiisuudha. Kun jecha tishoo jabaadha. (kata + luo). si'a sadii qofa barreeffama Phaawuloos keessatti tajaajila (2Qor 5:1 dua'afi Gal 2:18 miira asittiin, diiguu) kun tapha "ijaaruu" lak 19 keessattiifi jecha kana, "tarsaasani gatuu" jechuti lameenu jecha dalgaa ijaarsaati.

"Hojiin Waaqayyoo" yaada kana keessaa maalidhaa? Bilchina hin agarsiisu, sochii afuuraa amantoota "laafoo" malee. Gareen tokko isa tokko gargaaruu qaba kan jedhu Phaawuloos yaada kana keessatti ta'e 1Qor 8-10 keessatti iddotti mirkansa ykn jijjiire hin qabu.

▣ **"wanti hundinuu qulqullaa'aadha"** yaadanno lak 14 ilaala.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"namicha nyaatasaan nama gufachiisuuf gadheedha."** |
| **KJHH** | **"isa nyaachisee gufachiisuuf yaraadha."** |
| **KQSHH** | **"waan nyaatteen nama kuffisuus siif dogoggora"** |
| **TIV** | **"waan nama cubbutti galchu nyaatuun dogoggora"** |
| **KQJ** | **"nyaatee kan karaarra bahu yoo ta'e cubbuudha"** |

Lak kun dhugaa boqonnaa kanaati (1Qor 10:25-26; Tit 1:15)

Kun foon aarsaa waaqmaleeyoota qalame agarsiisa. (1Qor 8-10). Foonichi gaariifi yaraa hin qabu. Garuuu yoo obboleessi laafaa, sirnaa humnaatti yaadu argee innis nyaate, innumti haamileen walabaa deebi'ee xuraawa sababni waan fedha Waaqayyoof qalbiinsaa qabu ture waan cabseefidha.

Hiikkaan Ingiliffaa hedduun waan kana "obboleessa jabaatti" qabuun nyaachasaaniin warri laafoo akka miidhaman agarsiisu. Hikkaan kaatolikaa Kitaaba Qulqulluu ameerikaa Haarawaa carraa Biroo kaa'un gaalee kana obboleeyyan laafoo agarsiisa. "yogguu qalbiinsaa isa didu namni tokko nyaata fudhatee nyaachuun dogoggora" jechuun hike. Akka yaadaatti carraan duraa gaariidha garuuu wallaalchifni beekaati waan ta'eefu

lameen akka agarsiisu lak 22-23. 14:21 kun jecha “obboleessa jabaa” kun bu’uura xinamanti wantoota nyaatamuufi dhugamu irratti “guutumatti dhiisu” jedhu kan uumedha. Kiristaanonni jabaa obboleeyyansaaniifi jaalatamoo barbaadaman 9saba bade) jecha jaalalaan of qabuu qaban. Of qabuu kun baayyeen aadaadha, naanummaadha, ykn/fi bu’ura amantiidha.

**14:22**

**KQSAH** **“Waan qajeelaadha jettee amantee fudhatte moo, ofii keefi Waaqayyo gidduutti qabaadhu! Namni waan hubatee fudhatesanatti deebi’ee ofitti hin faradne, gammachuu qaba.”**

**KJHH** **“Amantii qabaadaa? Waaqayyo fulduratti qabaadhu. Waan itti amanee godheetti kan deebi’ee ofin balaaleffanne inni gammachu qaba.”**

**KQSHH** **“amantii qabdu sana, Waaqayyoo durattis qabaadhu. Warrii waan yaadanii godhanitti deebi’anii of hi qeeqne isaan gammadoodha.”**

**TIV** **“Waa’ee kanaaf waan yaadu qabaadhu, achii, siifi Waaqayyo giddutti, isaan waan sirriidha jedhani godhanitti deebi’anii hin gabbine gammachu qabu”**

**KQJ** **“amantii keetti qabami, siifi Waaqayyo giddutti nama isa faallaa qalbiisaa deemee hin murteessin akka milkoometti ilaaliin.”**

Kun amantoonni akka ifaa afuurri qulqulluu isaan geggeesseefi Kitaaba Qulqulluu isaan barsiiseen jiraataniif irra deebi’e mirkansa kennuusaati. (lak 5) ifa qaban keessa socho’u qabu. Garuuu maamile isaanii dogoggorsuun miti. Lak 22 wayita “obboleessa jabaa” agarsiisu lak 23 moo “obboleessa laafaa” kan agarsiisudha.

Lak 22 garaagartee barruun eegala. Gaaffii (KJHH) ta’uu ni danda’a ykn dubbii (KQSAH, KQSHH, TIV fi KQJ ta’uus ni danda’a.

▣ **“mirkansu”** mataduree addaa 2:18 ilaalaa

**14:23 “namni mamaa nyaatu”** kun (present middle imperative)dha. Kun kiristaanoota safeeffatan ilaala. lak 3.

▣ **“itti faradama”** kun perfect active indicative kata + krino, hikkanis
(1) “fugginaan ifaa gaabbii seenu” (Harold K Moolen, The analytical Greek Lexicon Revised, p 216) ykn
(2) “adaba itti fufee jiru malee balaaleffannoo miti” (Rom 5:16, 18; 8:1 (Mooltoniifi Milligaan, The Vocabulary of Greek Testament, ful 328) Asitti yaada qalbii nam tokko cabuufi dhukkubni iffi fufee jiru afuura qulqulluun yakkamuudha.

▣ **“yoo nyaate”** kun (first class conditional sentence) dha

▣ **“wanti amantirraa hin taane hundi cubbuudha.”** Iddo walxaxaa Kitaaba Qulqulluu ti cubbuun cabinsa yaada qalbii keenyaati malee caba seeraa miti. Ifa qabnuun socho’uu qabna caalatti Kitaaba Qulqulluu fi Afuuraaf bannee of qopheessuun.

Hubannoon amantoota fedha Waaqayyoof qaban gochasaanii irratti murteessa. Amantoota bilchoof yaada walxaxaa Kitaaba Qulqulluu keessaati ilaalcha Biroo qabaachuuf fedha Waaqayyoon ni danda’u.

▣ Barruun Giriik gartokko jecha galataa 16:25:27 xumura boqonnaa 14 qabu. Gariin iddo lameenitu qabu. Barruun Paapiras tokko p46, xumura boqonnaa 15 irratti qaba. Iddo gargaraa jahaatu jira barru Giriikoota aadaa Roomaatti yaada guutuudhaaf A Textual commentary of the Greek New Testament, by Bruce M. Metzger, YBS maxxanfame ful 533-536 jir dubbisaa. Gulaalliin tiyooricha kunoo (1) Origen kan jedhu namni dhugaa jiru ganee baabbe Roomaatti Mariqon, boqonnaa lameen Roomaa xumurarra jiran hambise kun jecha galataa boqonnaa 14 jiru ni agarsiisa (2) hayyonni gariin Phaawuloos ergaa warra Roomaa, Roomaatti ergamtu bifuma tokkoon barreesse kan jedhan ni jiru.

Boqonnaa 1-14 jiruuf, boodamoo xalayaa walfakkaataa gara Efesoonitti, boqonnaa 1-16, erguu barbaade jedhu. Nagaa gaaffiin dheeraa kan dhuunfaa (boqonnaa 16) Efesoon malee Rooma hin argarsiisu (3) nagaa gaaffiin boqonnaa 16 amantoota imala karaa Roomaarra jiraniifi sababni Agiilaafi pirisqilaan Efesoon jiru malee Roomaatti akka deebi’ani jiran wanti jedhame hin jiru, fi (4) jechonni galataa kan ka’umsaa osoo hintaane garagaalchitootaan akeeka Waaqeffannaaf jedhame kan dabalamedha jedhama.
M.R Vincent, Word Studies, jil 2, gammachisaadha.

“tiyoori kana faallaa dhaabachuun haqa gufachiisa daanga Phaawuloos beekkama MSS (waa’ee dhibba sadii) isaan baayye barbaachisoo dabalatee, boqonnaa kana akka tarreefi walitti jiruutti fuufanitti dabarsaa, jecha galata dabaltan malee” (ful 750).

## GAAFFILEE MARIIDHAA

Kun ibsituu qajeelcha qo’annooti, kun jechuun ati hiikka hiikkaa kitaaba qulqulluu keetiif itti gaafatamoodha. Hundi keenya ifa qabnu keessa socho’uu qabna. Ati, kitaabni Quqlulluufi afuurri qulqulluu hiikkaa keessatti dursa qabdu. Kana ibsituu wajjin walitti laaquu hin qabdu.

Gaaffileen marii kunneen kan dhiyaatan akka ati dhimmoota ijoo kutaa kitaaba kanaa irratti xiyyeeffattee yaaddu akka si gargaaraniifidha.

Akka ilaalcha dadammaqsaniif malee hiikkaaf miti.

1. “Obboleessa laafoo” jedhu ibis? Phaawuloos isaan hin bilchaanne jechuusaatii?
2. Akkamitti bilisummaan kiristaanaa, ittigaafatama kiristaanaatti firoomaa?
3. Wanni hundi uumamaan “quqlulluu” dha moo haamileen walaba ta’anii (lak 14, 20)?
4. Maaliif gaaffiin sooorataa Qoronxoositti (1Qor 8, 10)ti barbaachisaa ta’ee? yaadadhaa Phaawuloos Qoronxoos taa’eeti Roomaatti barreesse.
5. Walitti dhufeenya beekkomsa, bilisummaa, fi jaalala boqonnaa kanaa keessa jiran ibis.
6. Walooma waldaa keessaa bu’uura maaliirratti ijaaruu qabnaa?
7. Filannoofi gocha dhuunfaa keenyaa bu’uura maaliirratti ijaaruu dandeenyaa?
8. Akkamitti gochi keenya Ormaa miidhuu danda’aa?
9. Naamusa kiristaanaa sirriidhaa akkamitti murteessuu dandeenyaa?
10. Kiristaana bilchoof diduufi Waaqayyoof fudhatamu ni danda’amaafii?

# ROOMAA 15

| HIRAMSA BUUFATA HIIKKAA HAMMAYYAA | | | | |
|---|---|---|---|---|
| YBS4 | KJHH | KQSHH | TIV | KQJ |
| Hiriyaa kee malee ofin gammachiisiini | Ba'aa warra kaani baachuu | Jabaan laafaa haa kaase | Miiltoo kee male ofin gammachisiin | (14:22-15:6) |
| 15:1-6 | 15:1-6 | 15:1-6 | 15:1-6 | |
| Wangeelli warra Ormaafi yihudi tokko | Walumaan ulfina Waaqayo kennaa | | Wangeela Ormootaaf | Oliyaa gamtoomaaf |
| 15:7-13 | 15:7-13 | 15:7-13 | 15:7-12 | 15:7-12 |
| | | | 15:13 | 15:13 |
| Komishina hojii wangeela Phaawuloos | Iyyarusaalemi hanga Ilyiriqoo | Yaadanno dhuunfaa | Sababa barruu Phaawuloos jigaa | |
| 15:14-21 | 15:14-21 | 15:14-21 | 15:14-21 | 15:15-16 |
| | | | | 15:17-21 |
| Karoora Phaawuloos Roomaa daawwachuu | Karoora daawwii Roomaadha | | Karoora Phaawuloos Roomaa daawwii | Karoora Phaawuloos |
| 15:22-29 | 15:22-33 | 15:22-29 | 15:22-29 | 15:22-29 |
| 15:22-33 | | 15:30-33 | 15:30-33 | 15:30-33 |

**MARROO DUBBISA SADAFFAA**
*FEDHII BARREESSAA KA'UMSAA SADARKAA BUUFATAATTI HORDOFUU*
Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti. Kun jechuun ati hiikkaa kitaaba Qulqulluu keetiif itti gaafatamoodha. Hundi keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni qulquluufi afurri qulqulluu hiikkaa keessati dursa qabdu. Kana ibsituu wajjin walitti laaquu hin qabdu.

Boqonnicha taa'umsa tokkoon gadi taa'ii dubbisi. Dhimmicha addaan baafadhu. Hiramsa dhimma kee hiramsa hiikkaalee shaman keessa jiran wajjin wal cina qabii madaali. Buufanni afuuraahuun miti. Garuuu fedha barreessichaa ka'umsa hordofuuf furtuudha. Isa handhuuraa hiikkaa ta'ee jiruuf buufanni hundi dhimma tokkoof tokko qofa qaba.

1. Buufanni duraa
2. Buufanni lammataa
3. Buufanni sadaffaa
4. Kkf

ILAA QABIYYEE LAKKOOFSA 1-13

A. Waa'een bilisummaafi ittigaafatama kiristaanaa boqonnaa 14 irraa 15:1-13 itti fufeera.
B. Waliigalli dubbii 14:1-15:13 jiru akka armaan gadiiti
   1. Waan Waaqayyo Kiristoosin nu fudhateef walfudhachuuf nuuf ta'a (14:1, 3; 15:7)
   2. Kiristoos gooftaafi ab murtii waan ta'eef walirati hinmurtiinaa (14:3-12)
   3. Bilisummaa dhuunfaa caalaatti jaalala barbaachisa (14:13-23)

4. Gaarummaafi guddina beekkomsa Ormaaf mirgoota keessan dabarsanii dhiisuun fakkeenya Kiristoos faana bu'a (15:1-13)

C. 15:5-6 yaada 14:1-15:13 keessaa dacha sadiin calaqqisa
   1. Orma wajjin jaalalaan jiraadha.
   2. Akka fakkeenya Kiristoositti jiraadhaa
   3. Lapheefi hidhii qajeelaan Waaqayyo galateeffadha.

D. Muddamni bilisummaa dhuunfaafi ittigaafatama gamtaa gidduu jiru 1Qor 8-10 keessati kaafameera.

**QO'ANNOO JECHAAFI GAALEE**

**15:1-6**
**1Nuyi warri dubbii amantiitti jajjaboo taane, dadhabbii warra dadhabootaa baachuutu nuuf ta' a malee, ofii keenya gammachiisuudhaaf dhama'uu miti. 2Nu keessaa adduma addaan isa kaaniif gaarii akka ta'uuf, jireenya tokkummaas akka ijaaruuf nama haa gammachiisu! 3Kristos immoo, isa caaffanni qulqullaa' aan, "Arrabsoon ittiin si arrabsan ana irra bu'e" jedhutu isa irratti raawwatame malee, inni ofii isaa hin gammachiifne. 4Nuyi obsaa fi jajjabina caaffanni qulqullaa' oon nuuf kennaniin abdii akka argannutti, wanti caaffata qulqullaa'oo keessatti caafaman hundinuu nu barsiisuuf caafaman. 5Waaqayyo inni obsaa fi jajjabina namaaf kennu immoo, fakkeenya Kristos Yesus duukaa buutanii, walii galtee akka qabaattaniif isin haa dandeessisu. 6Yaada tokkos qabaattanii, sagalee tokkichaan Waaqayyoon abbaa gooftaa keenyaa Yesus Kristos akka galateeffattaniif isin haa gargaaru ! Wangeelli Warra Yihudoota Hin Ta'iniifis Kennamuu Isaa**

**15:1**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"nuyi warra dubbii amantiitti jajjaboo taane, dadhabbii warra dhadhabootaa baachuutu nuuf ta'a"** |
| **KJHH** | **"nuyi warra jajjabootu, dadhabii warra laafoo baachuutu nurra jiraata"** |
| **KQSHH** | **"nuyi warra jaaatu kufaatii dadhabootaa argee isaan kaasuu qaba."** |
| **TIV** | **"nuyi warra amantiin jabootu ba'aa warra dadhaboo irraa fuudhee baatuu qaba.** |
| **KQJ** | **"dadhabina warra laafaa irraa fuudhee baachuun dirqama nuyi wara jabaati.** |

Jabaafi laafaa kaasuun boqonnaan 15 itti fufinsa marii 15:1 keessatti ka'eeti jechudha. Muddama waldaa Roomaa keessaafi waldaa hundaa, agarsiisuu kan barbaade fakkaata, iddoo jireenyi kiristaana akka Kitaaba Qulqulluu walxaxaa ta'e keessatti, Phaawuloos irra deebi'e garee jaboo keessatti of kaa'eera.

Dubbistoota Ingiliffaa haarawaa biratti waa'ee laafaafi jabaa kaasuun garicha yaada miicciiruu ta'a. Kun fedhi Phaawuloos miti. Gareen jabaan warra bulchiinsa jireenya safuu amantiin haguugamte jalaa bahanii agarsiisa.

Walitti dhufeenyisaanii Waaqayyo wajjiin qaban waan tokko gochuu irratti qofa kan hirkate miti. Ykn wantoota safuu amantii dhabamsiisuun miti. Gareen kaanis guutuutti kiristaanaafi guutuutti fudhatama argate, fi garee amantoota guutuutti aarsaaf qophaa'edha. Haa ta'uti, amantiisaanii karaa yaada amantiisaanii shaakala darbeen ibsatu. Amantoonni yihudii shaakala kakuu moofaa Judizm qabatani turu barbaadu. Waaqamaleeyyonni jijjiiraman yaadaafi shaakala amantisaanii duraa qabatani turu barbaadu. Hubadha, Phaawuloos sammuu amantootaa kana "cubbuu" jedhee hin yaamnee kaniinni cubbuu ta'u yeroo qalbiisaanii cabsan qofaadha. (lak 23)

Jechi "laafaa" (adunates, jabina malee, Rom 8:3) jedhu jecha astheneo jedhuun 14:1, 21, gargarii (1Qor 8:7, 10, 11, 12; 9:22) jabina malee jechuudha.

Yaadni kun kiristaanni obsa akka maleen kiristaana Biroo akka qabaatu osoo hin taanee jaalala "qananii" fi "walin hojjechu" ti. Jechii "baadhachuu" jedhu kiristoosifis kan fayyadu "fannoo baadhachuu" Yoh 19:17 fi Luq 14:27. Phaawuloos muddama saba amantii gidduutti ka'u ni beeka. Gamaali'eel barsiisaa mana barumsaa Hillel jalatti barate.

▣ **"ofi keenyaa gammachuuf dhama'uu miti"** Ofittoomni mallattoo bilchina dhabuu isa sirriiti; fakkeenya Kiristoos faanomuu (lak 3; Filp 2:1-11) mallattoo bilchinaati. Dabalee, warra jabaatu gahame (14:1, 14, 16, 21, 27) kun jechuun walooma sana deebisanii ijaaruun ittigaafatamasaaniiti jechu miti. Dhadhaboonni 14:3, 20, 3; 15:5-6,7 keessatti gahaman.

**15:2 "jireenya tokkummaa akka jiraannuuf nama haa gammachiifnu"** kun "ollaa" jedha miira kiristaana miiltoome agarsiisuufi. Kun of araarfaa hin agarsiisu, garuuu sun filannoo dhuunfaa ykn yaada walxaxaa naannoo sanaa hin dhiibatu. Gamtaaniifi guddinni qaama Kiristoos, bilisummaa dhuunfaa osoo hin taane, hundu irra kan caaludha. (1Qor 9:19-23; 10:24-33; Efs 4:1-16)

▣

**KQSAH** **"isa kaaniif gaarii akka ta'utti"**
**KJHH** **"gara guddina sammuu gaariitti deemuuf"**
**KQSHH** **"akeeka gaariif olla guddisuu"**
**TIV** **"amantiidhaan isaan qabuuf"**
**KQJ** **"akka kiristaana jabaa ta'an isaan gargaarii"**

Kun qabiyyee jabaa boqonnaa 14 (14:16,19) ti. Kenna afuuraa isa 1Qor 10:23; 12:7; 14:26; Efs 4:29 keessa jiruuf qorumsadha.

Yaada kana keessatti amanaa jabaa guddina amantii obboleessa kiristaana ta'e gargaaruuf isa jaalalaan mirga ofii daangeesse agarsiisa. Yoseef A. Filzmyeeriifi Raaymond E. Biraawun. The Jerome Biblical Commentary, jil 2 keessatti lakkoofsa kanarratti ibsa bareedaa ni qaba.

"Guutoon kun kan fudhatame "beekomsaan guddisu" (ollaa), guddina kiristaana ollaa tokko agarsiisufidha. Garuuu Phaawuloos jechoota ijaarsaa xalayootasaa keessatti sirnaan fayydame; gaalichi hiikkaa gamtaa hawaasaa dabalataan ni qaba (1Qor 14:12; Efs 4:12; Rom 14:19) (ful 328)

MATADUREE ADDAA: QULQULLEESSUU

Jechi kun Oikodomeo fi gosti kanaa Birooon Phaawuloosiin irra deddeebi'ame fayyadameera. Akka barruutti "mana ijaaruu" jechuudha. (Matt 7:24) garuuu moo dubbii dalgoo

1. Qaama Kiristoos, waldaa, 1Qor 3:9; Efs 2:21; 4:16
2. Ijaaruu
   a. Obboleeyyan dadhaboo, Rom 15:1
   b. Ollaa, Rom 15:2
   c. Wal waliif, Efs 4:29; 1Tas 5:11
   d. Quqlulloota hojii wangeelaaf, Efs 4:11
3. Nuyi ni ijaara ykn ni guddifna.
   a. Jaalala, 1Qor 8:1; Efs 4:16
   b. Bilisummaa dhuunfaa daangeessu, 1Qor 10:23-24
   c. Tilmaama hambisuu, 1Xim 1:4
   d. Tajaajila Waaqeffamna irratti dubbattoota xiqqeessu (Faarfatoota, barsiisoota, raajoota, afaan haaraafi turjumaana) 1Qor 14:3-4,12
4. Wanni hundi gabbina sammuuf
   a. Aangoo Phaawuloos 2Qor 10:8; 12:19; 13:10
   b. Dubbii xumuraa Roomaa 14:19 keessaafi 1Qor 14:26

**15:3 "Kiristoos moo"** Kiristoos akkinaafi fakkeenya keenyadha. Dhugaa kunis lakk 5 keessatti xiyyeeffannoo argateera; Filp 2:1-11; 1Phex 2:21; 1Yoh 3:16.

▣ **"Caaffanni Qulqullaa'aa"** kun (present passive indicative) dha, innis akka dubbii barruu Kakuu Moofaati. Kun waraabbii Far 69:9 fi 7 ti. Kakuu Moofaa irraa waraabuu qofa osoo hin taane fakkeenyummaa Kiristoosin agarsiisuun, Phaawuloos abbootii taayitaa waldaa ganamaa barbaachisoo lama fayydameera. (Niiwmaan fi Nidaa, A Translator's Hand bood on Phaul's Letter to the Romans, p 271) Of dhabins Kiristos fi cubbuu biyya lafaa baachuunsaa fakkeenya keenya (1Yoh 3:16)

**15:4 "wanti caaffata qulqullaa'oo keessatti caafaman hundinuu nu barsiisuuf caafaman."** Kakuu Moofaa amantoota Kakuu Haaraafis kan barreeffame (Rom 4:23-24, 15:4; 1Qor 9:10; 10:6, 11). Amantoota haarawaaf waan gaariidha. (2Xim 2:15; 3:16-17). Itti fufinsi ni jira, garuuu Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa gidduu addaan citatu jira.

▣ "Nuyi obsaafi jajjabina caaffanni qulqullaa'oon nuuf kennaniin abdii akka arganutti" Akkatti dhugaan Waaqayyoofi biddiqni jireenya amantootaa itti deebii kennan makameera. Amantiifi shaakalli wal makaniiru (lak 5). Gaafa abdii kakuu deebii Kiristoos ta'utti ofitti amantaan jireenya keessaafi du'a keessatti ni argamu.

▣ **"Abdii ni qabna"** kunis gocha dursee lak 4 keessati irratti abdiin keenya hirkachu nu agarsiisa. Kakuu Haaraa keessatti "abdiin" dhufaati lammataaniifi yeroo itti fayyinni keenya xumuramu agarsiisa. (Rom 8:30; 1Yoh 3:2) Jechi Giriik kun akka jedha Ingiliffaa hiikka mirkansa dhabuummaa of keessaa hin qabu. Dhufaatin lammata mirkana mirkan dhabummaa yeroon wallaalamuu keessaati.
Phaawuloos jecha kana miira gargaaraa garuuu firooma ta'e hedduun fayyadameera. Xumura amantii amantootaan wal hidhata ni qaba. Kun bifa ulfinaa, jireenya arayyu, fayyina daanga malee, dhufaatii lammataa kkf ibsama. Xumuramun amantii yerootu gara fulduraafi hin beekamne malee mirkanuma. Amaniifi jaalala wajjiin wal hidhata (1Qor 13:13; 1Tas 1:3, 2Tas 2:16) Ittifayyadamni Phaawuloos muraasni

1. Dhufaatii lammataa Gal 5:5 Efs, 1:18; 4:4, Tit 2:13
2. Yesuus abdii keenya 1Tim 1:1
3. Wangeelati amanuu Col 1:23
4. Fayyina daangaa malee Col 1:5; 1Tas 4:13; 5:8
5. Ulfina Waaqayyo, Rom 5:2; 2Qor 3:12; Qol 1:27
6. Wabii fayyinaa 1Tas 5:8
7. Jireenya bara baraa Tit 1:2; 3:7
8. Dhiifama cubbuu uumama hundaa, Rom 8:20
9. Amantii, Rom 8:23-25, 15:4
10. Maqaa Waaqayyoo, Rom 15:13
11. Fedha Phaawuloos amantootaa qabu 2Qor 1:7

**15:6 "Waaqayyo abbaa gooftaa keenyaa Yesuus Kiristoos"** kun maqaa ayyaanaa guutuu kan Waaqayyo bara Kakuu Haaraa keessaati. (2Qor 1:3; Efs 1:3; 1Phex 1:3) kun Waaqayyo isa barbaachisummaa falaasamaa osoo hin taane isa mul'ataati. Maqaa Waaqayyoo kadhata lak 5-6 keessatti Phaawuloos fayydame lameen hubahdaa (1) Waaqayyo dhamaasuuf jajjaina fi (2) Waaqayyo abbaa gooftaa keenyaa Yesuus Kiristoos mataduree addaa : Dhamaasuu 8:25 fi Abbaa 1:7 ilaalaa.

**15:7-13**
**7Egaa akkuma Kristos ofitti isin qabe, isinis Waaqayyoon galateeffachiisuuf akka ta 'utti, inni tokko isa kaan ofitti haa qabu. 8Kristos amanamummaa Waaqayyoo argisiisuudhaaf, kanaanis abdii Waaqayyo abbootaaf kenne cimsuudhaaf, hojjetaa Yihudoota warra seera dhagna-qabaa eeganii akka ta'e isinittan hima. 9Akkasumas saba Yihudootaa warri hin ta'in, araara isaatiif Waaqayyoof ulfina akka kennaniif hojjetaa isaaniif ta'e. Akkuma caafamee jiru, "Kanaafis ani saba Waaqayyoo warra hin ta'in gidduutti sin galateeffadha, maqaa kees nan faarfadha" jedha. 10Ammooo, "Isin saba Waaqayyoo warri hin ta' in, saba isaatii wajjin gammadaa!" jedhameera. 11Ammas immoo, "Isin saba Waaqayyoo warri hin ta'in hundumti keessan, goofticha galateeffadhaa! Sabni hundinuus isa haa galatteeffatan! 12Isaayaas immoo itti dabalee, "Hidda Iseyi keessaa tokko dhufuuf jira, inni warra saba Waaqayyoo hin ta'in bulchuudhaaf ni ka'a;warri saba Waaqayyoo hin ta'inis abdii isaanii isa irra ni kaa'atu" jedhe. 13Humna hafuura qulqulluutiin abdiitti guddachaa akka adeemtanitti, Waaqayyo inni abdii namaafkennu, isatti amanuu keessaniin gammachuu fi nagaa hundumaan isin haa guutu !**

**15:7**

| | |
|---|---|
| **KQSAH, TIV** | **"inni tokko isa kaan ofitti haa qabu"** |
| **KJHH** | **"wal simadhaa"** |
| **KQSHH** | **"wal keessummeessaa"** |
| **KQJ** | **"hiriyyummaan wal qananiifadhaa"** |

Amantoonni waan Kiristoos isaan fudhateef isaanis walfudhadhaa. Dhugaan walfakkaataan kun lak 14:1 keessa ni jira. Haa'tau, asitti dubbisa Kakuu Moofaa waa'ee Waaqayyo Ormoota fudhachuu agarsiisan beeksisa. (lak 9-12). Kun feetu muddama waldaa Roomaa keessa jiru agarsiisuufi ta'a.

Amalli kiristaanaa kan mul'atu waljaalala of kennuu amantootaanidha.(1:12; 12:5, 10, 16; 13:8; 14:13, 19; 15:5,7,14; 16:16)

▣ **"akkuma Kiristoos ofitti isin qaba"** Gochi kaka'umsiifi dhiibbaan amantootaa waliif godhan asitti (14:3). Boqonnaa 14 irratti xiyyeeffannoon (1) Kiristoos akka gooftaafi abbaa murtii, lak 1-12, fi (2) Kiristoos akka fakkeenya jaalalaafi of kennaa, lak 13-23 keessatti irrattidha. Akkuma Kiristoos nu fuhdate walfudhachuu qaban.

▣ "Ulfina Waaqayyoof" yaadannoo 3:23 ilaalaa.

**15:8 "Kiristoos … hojjetaa yihudoota warra seera dhaqna qabaa eeganii"** Yesuus guutama raajii Waaqayyoo bara Kakuu Moofaa ti. (Matt 15:24) kun feetu mudama waldaa Roomaa keessatti amantoota yihudootaa fi amantoota Ormaa gidduu jiru kan kallateeffatedha.

▣

**KQSAH "abdii Waaqayyo abbootaaf kenne cimsuudhaaf"**
**KJHH "dhugaa Waaqayyoof, abdii abboota kenname cimsuuf"**
**KQSHH "dhugaa Waaqayyon adii jaarsoliif kenne mirkansuuf"**
**TIV "bakka yihudootaa Waaqayyo amanamaa ta'uusaafi abdiinsaa cimsuuf**
**KQJ "Waaqayyo kakuu jaarsoliisaaniif gale gochuuf amanamaadha."**

Kun feetu kakuu Waaqayyo bara Kakuu Moofaa Israa'eliif gale agarsisa. (4:16). Haa ta'u, adii Waaqayyo cubbuutti qulqulleessuu kenne ilaalachus ni dadna'a. (Uma 3:15, 12:3, Ba'u 19:5-6; Isa 2:2-4 56:7; 66:18-24) Iccitiin wangeelaa karorri Waaqayyoo yeroo hunda walitti qabaa yihudootaafi Ormoota isa karaa Kiristoosii keessaa ta'uusaati (Efs 2:11-3:13)

Ergaan Kakuu Haaraa guutummatti waan haarawa odoo hin taanee itti guuta adii Waaqayyo bara Kakuu Moofaati. Ergamni guddaa Kiristoos (1) abdii Israa'eloota kenname guutuu, fi (2) balbala Ormootaaf banuudha (Rom 3:29-30; 9:30; 10:11-12, 15-20; 11-25, 32; 16:25; Efs 2:11-3:21). Akkuma ergama wangeelaa itti kenname. Waaqayyoon mul'isuus Ormoota amantiin hawwachuu dadhabde Yesuus Israa'el afuuraan haarawa kaafae (Gal 6:16) akka ergamee duuniyaa raawwatamuuf (Matt 28:19-20, Yoh 3:16)

▣ **"mirkansa"** mataduree Kakuu Moofaa irraa kan waraabame yoo ta'u Omroonni karoora Waaqayyo dursee karoorse keessa kan jiran ta'uu kan agarsiisudha. (10:16-20) kun Kakuu Moofaa far 18:49 ykn 2 Sam 22:50; Deb 32:43; Far 117:1; Isa 11:1, 10, kuta qanoo Ibroota: Seera, raajootaafi barreeffama keessa waraabbiin ni jira.

**15:9 "araarasaatiif Waaqayyoof ulfina akka kennan"** Durmurtaayinni Roomotaafi (9:15, 16, 18, 23) daalanni Ormootaaf (11:30, 31, 32; 15:9) araarrii Waaqayyoo ijoo dubbi xinamantiiti. Toftaansaas hojii namootaa (Rom 9) osoo hin taanee araaraafi amala Waaqayyoo hin jijjiiramne (Ba'u 34:6; Neh 9:17; Far 103:8,4; Yo'e 2:13) fi abdii masihichaati (Isa 11:1, 10)

**15:13 "Waaqayyoo inni abdii namaa kennu"** Kun haasawa xumuraa boqonnaa 14:1 keessati jalqabameeti. Kun maqaa Waaqayyoo isa Biroodha. Waaqa abdiidha.

**15:13 "gammachuufi nagaa hundumaan isin haa guutu"** Phaawuloos amantooa Roomaaf godhe agarsiisa. Argamuu "hundaa" yaadadha (5:1-2; 14:17)

▣

**KQSAH, KJHH**
**KQSHH "isatti amanuun"**
**TIV "amanti keessaniin"**
**KQJ "amanti keessaniin"**

Kun kan agarsiisu, itti fufinsa amantii karaa Kiristoosiifi human afuura quqlulluun ofitti amantaa dhaamaati gammachuufi nagaa dhunfaa akka argamudha. Amantiin Kiristoos deebii ka'umsaa qofa osoo hin taanee deebii biddiqa jireenyaati.

▣ **"abdiitti guddachaa akka adeemsatan"** jechuunis "irra caalaafi gararraa" jechudha.

**MATADUREE ADDAA : ITTI QAAMUU (PERISSEVO)**

Phaawuloos irra deddeebi'e fayyadama

1. ahugaa Waaqayyoo ulfinasaatti qabame, Rom 3:7
2. aenna tolaa ulfina namtokko, Yesuus Kiristoosin qabamu Rom 5:15
3. amantoonni abdiin qabamu, Rom 15:13
4. amantoonni nyaatuufi dhiisuusaaniin Waaqayyoo ni abboomamu miti, 1Qor 8:8
5. amantoonni waldaa ijaaruun 1Qor 14:12
6. amantoonni hojii goftaan qabamu 2Qor 15:58
7. amantoonni gidiraa Kiristoos irraa hafaa fi badhaadha Kiristoos irra hafaa ni qoodatu 2Qor 1:5
8. aojiin qajeelummaa ulfinaan qabame 2Qor 3:9
9. aalatni amantootaa ulfina Waaqayyotti qabama 2Qor 4:15
10. amantoonni gammachuutti qabamuu 2Qor 8:2
11. amantoonni waan hundati qabamuu (amantii, dubbachu beekkomsa, amanama, fi jaalala) kenna waldaa Iyyaruusaalem 2Qor 8:7)
12. ayyaana hundaa amantootatti qabame, 2Qor 9:8
13. galata irraa hafaa amantoota Waaqayyoof 2Qor 9:12
14. sorummaa ulfinni Waaqayyoo amantoota irratti irra hafaadha Efs 1:8
15. jaalalli amantootaa amalle irra irratti, Filp 1:9
16. amantoonni Phaawuloosin qabamuun Kiristoositti irra hafaa isaan godhe Filp 1:26
17. Irra hafaa qabaachuu Filp 4:12, 18
18. amantoonni kabajaan irra dhangala'u Qol 2:7
19. amantoonni dabalaafi jaalala waliif qabaniin irraa hafaa deemusaanii 1Tas 3:12
20. bidiqa jireenyaa Waaqomaa irraa hafaa 1Tas 4:1
21. amantoota miiltoof jaalalaan qaamu 1Tas 4:10

Hubannoon Phaawuloos ulfina Waaqayyoo inni Kiristoos keessaa "irra guddaafi gararaa" irra jira ture: baraachisummaan amantoonni akka akkasitti deemuu danda'anis "irra guddaafi gararraan" ulfinaafi jaalala jireenya guyyuu keessattis caalaa ture

▣ "**Humna afuura Qulqulluu"** Afurri Qulqulluu sadach si'aayina qabudha, wanni isa malee ta'u ykn xumuramu homtuu hin jiru (15:19; 1Qor 2:4; 1Tas 1:5) mataduree addaa 8:9 fi 8:11 ilaalaa.

**GAAFFILEE MARII**

Kun ibsituu qajeelcha qo'annooti. Jechuunis ati hiikkaa Kitaaba Qulqulluu keef ittigaafatmoodha. Hundi keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, Kitaaba Qulqulluu, fi AQ hiikkaa keessati dursa qabdu. Kana ibsa wajjiin walitti laaquu hin qabdu.

Gaaffileen marii kun kan dhiyaatan akka dhimmoota gurguddoo kutaa kitaaba kanaa irratti yaaduufidha. Ilaalcha dadammaqsuuf malee hiikkaa kennuuf miti.

1. Dhugaan giddugalaa Roma 14:1-15:3? Maali?
2. Phaawuloos maaliif Kakuu Moofaa irra lak 9:12 keessattii tuqee? Dhugaa guddaa maal barsiisu?

ILAA QABIYYEE Lak 14-33

A. Karaa hedduu cufinsi ergaa kanaa baniinsa isaa wajjiin walfakkiidha, 1:8-15
    1. Amantiisaanii galateeffata (1:8)
    2. Ergama wangelummaa Phaawuloos gara Ormootaatti ergamu ni faccisa (1:13, 14)
    3. Phaawuloos isaan daawwachuu barbaadu isaa mirkansa (1:10, 13)
    4. Phaawuloos hojii isaa darbee wangeela dhaqqabsiisuuf tattaaffatu keessatti akka isa gargaaran barbaaduusaa agarsiisaa (Sipeen, 1:13)
B. Ammas, waldiddaan waldaa Roomaa keessa akka jiru amantoota yihudaafi amantoota Ormootaa gidduu fixeen ni jira. Kunis ergicha guutu keessatti yoo ta'u keessattu boqonnaa 9-11, 14:1-15:13
C. Mormiin ergama Phaawuloos waldaale ganamaa gidduu akka ture fiixeen dubbi jirti. Inni waan ofirraa faccisu fakkaata lak 15-19; 1:2, 5.
D. Boqonnaan kun mataduree lama qaba.

1. Ergama Phaawuloos, lallaba wangeela, hojii Ormoota ilaallattu (lak 14-21)
2. Karoorri imala Phaawuloos akeeka kana xumuruuf baafate feetu Roomaa keessa isa dabarsa. Lak 22-23)

**QO'ANNOO JECHAAFI GAALEE**

**15:14-21**
**[14]Yaa obboloota ko! Ani ofii kootii gaarurfimaa guutuu akka qabdan, beekumsa hundumaan akka is ni guutamtan, wal gorsuus akka isin dandeessan, mama tokko malee hubadheera. [15]Garuuu ayyaanni Waaqayyo biraa waan anaaf kennameef, waa' ee waan tokko tokkoo is ni yaadachiisuudhaaf caalaa ija jabinaan isiniif caafeera. [16]Ani warra saba Waaqayyoo hin ta'iniif hojjetaa Kristos Yesus ta'ee, wangeela Waaqayyoof akka lubaatti hojjechuudhaaf ayyaana argadheera; akkasittis warri saba Waaqayyoo hin ta' in, hafuura qulqulluudhaan addaan baafamanii, akka aarsaatti Waaqayyo duratti akka fudhatamaniif isaaniif nan hojjedha. [17]Egaa karaa Kristos Yesus, ani hojiin amma Waaqayyoof hojjedhu kanaan kooruudhaaf sababii qaba. [18]Kristos warra saba Waaqayyoo hin ta'in Waaqayyoof abboomsisuudhaaf, harka kootiin waan raawwate duwwaa dubbachuudhaaf ija nan jabaadha; kanas waanan dubbadhee fi waanan hojjedheen raawwate. [19]Kan inni raawwates humna milikkitootaa fi dinqii baay'eetiin, humna hafuura qulqulluutiinis ture; kanaafan Yerusaalemii jalqabee naanna' ee hamma Iliiriqu mitti guutummaatti wangeela Kristos lallabuu danda'e. [20]Hundee namni kan biraa jalqabe irratti akkan hin hojjenneef immoo, lafa takkaa maqaan Kristos hin dhaga'aminitti malee, wangeela akkan hin lallabne murtoo godheera. [21]Akkuma caafame iyyuu, "Isaan isa takkaa waa'een isaa isaanitti hin himamin ni argu; isa takkaa waa'ee isaa hin dhaga'inis ni hubatu" jedha.**

**15:14**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"yaa obbolotakoo, ani ofii kootii waa'ee keessanii ofitti abdadheera."** |
| **KJHH** | **"amma, waa'ee keessaniif obbolotakoo ani ofitti amaneera."** |
| **KQSHH** | **"waa'ee keessan anuu abdiin guutumeera, obboleeyyan koo."** |
| **JIV** | **"obbolii, ani isinitti amane."** |
| **KQJ** | **"gatiin isin shakkuuf miti, obboleeyyan koo ani isinitti amanadheera."** |

Giriikitti "ani" (*auto ego*) cimtuudha. Phaawuloos waldaa kana dhugatti amansiiseera.

Phaawuloos waa'ee waldaa Roomaa waan sadii mirkansa. Lak 14 keessati (1) gaarummaan guutamuu (2) beekkomsaan guutamuu (3) wal gorsuu danda'uu Dubisni kun Phaawuloos ergaa haarawaa fidaa akka hin jirre, garuuu oduu gammachiisaa amaan dura dhgahaniifi fudhatanii jiran isaanii ifa godhe (lak 15)

▣ **"gaarummaa guutuu akka qabdan, waan hundaa akka guutamtan"** Akkuma "ani mataan koo" sadarkaa duratti cimataa ture "isin mataan keessatti" cimataadha. Jechi "guutuu" (*mestos*) jedhu Phaawuloos si'a lama qofa sanuu Roome keessatti fayydame. (1:29; 15:14) Jecha "guutamuu" (*pleroo*) . Phaawuloos jecha kana Roomaa pleroma Roomaa (11:12, 25; 13:10; 15:29) keessatti fayyadame garuuu akka ibsituuti hin fayyadamne.

Wangeelli guutuun amantoota guutee jaalalaafi tajaajilan irra dhangala'ee arguun fedhii Phaawuloos ture. Amantoonni waan barbaadan Kiristoosin ni qabu. Wabi kana guutumatti argachuufi fudhachu ni barbaadu.

▣ **"gaarummaa guutuu, beekomsa hundumaan akka guutamtan"** karaan itti jecha kana hubattan lamatu jira. (1) boqonnaa dursee ture 14:1-15:13 isa jirutti firomsu innis naannolee Kitaaba Qulqulluu hiikka walxaxaa qabaniif mormii kaasaa turan irra darbuun jaalala waliif qaban ture. Kunis itti fayyadama jecha "gaarummaa" jedhu lak 14:16; 15:2 fi asitti mirkanaahee fi (2) shaakalaafi amantii guutuu wangeelaati firooma, ortodoksummaa fi ortopaaksumma.

**15:15 "caalaa ija jabinaan isiniif caafeera"** Phaawuloos ergaasaa Roomiitti barreesse Qoronxoos taa'eeti. Garee achi turan keessaa nama tokkoon tuqame waa'ee ergaasaa ija jabinaafi qaamaan dadhabummaasaaf. Jechi "ija jabummaa" kun 2Qor 10:2, 12; 11:21 keessati argama. Ija jabummaan Phaawuloos yaamicha, ijjiirraafi beekomsa wangeelaa qaburraa kan maddedha.

▣ **"ayyaana Waaqayyo biraa naa kennameen"** Phaawuloos ulfina Waaqayyo (1:5, 12:3; 1Qor 3:10; 15:10; Gal 2:9: fi Efs 3:7-8) isa yaame, isa fayise, isa kennameef isa Omrootatti isa erge (11:13; 15:16) san agarsiisa. Karaa itti ergamummaasaafi aangoosaa agarsiifatedha (1:1,5)

**15:16 "hojjetaa … hojjechuudhaaf … aarsaatu… fudhataman"** lak 16 fi 17 jechootaafi gaalee luboomaa ni qabu. "hojjeta tajaajila lubootaati lak 27. Ibr 8:2 keessatti tajaajila Kiristoos fayyadeera. Phaawuloos akka lubaatti (Filp 2:17) Ormoota Waaqayyoof aarsaa gochuun, ergama Israa'elootaa (Ba'u 19:5-6; Isa 66:20) godhee of ilaala. Waldaan ergama wangeelaa kana kenniteerti. (Matt 28:18-20; Luq 24:47). Mul 16 fi 1Phex 2:5, 9 keessatti waldaan maqaa lubooma Kakuu Moofaan yaamamti.

▣ **"hafuura Qulqulluun addaan baafamanii"** Jechuunis "afuura qulqulluun bahaniiru, ni baafamus" jechudha. Ammalle waldiddaa amantoota yidudiifi Ormoota gidduu waldaa Roomaa keessa jiru calaqqisa. Phaawulos kana ifatti sabni (Ormoonni) afuura qulqulluun fudhatamuun akka itti fufu ibseera (1Qor 6:11)

**15:17-19** Gocha sadacha Waaqayyo hubadha: Waaqayoti (lak 17) Kiristoosin (lak 17) human afuura qulqulluun (lak 19). Akkanuma sadeen matooma Waaqa hubadha lak 30. Akkanuma jechi "sadacha" jedhu Kitaaba Qulqulluu miti; yaadnisa garuuu (Matt 3:16-17; 28:20; Hoe 2:33-34: Rom 8:9-10; 1Qor 12:4-6; 2Qor 1:21; 13:14; Efs 1:3-14; 4:4-6; Tit 3:4-6; 1Phes 1:2) mataduree addaa sadacha 8:11 ilaalaa.
15:18-19 Phaawuloos karaa itti hojiin wangeelasaa itti Omroota irratti bu'a qabeessa ture ibseera. (1) sagaleen (2) gochaan (3) mallattoon (4) imalaaniifi (5) human afuuraan.

Waa'ee garaa garuummaa barreeffamaa #5 "afuuraa" jedhu, barruun Giriikni muraasa "Hafuura Quqlulluu" itti dabalu, gariinammooo "afuura Waaqayyoo" jedhu. Akka garaagartee, dabalaa, ykn ibsa hinmallee dhugaan ergichaa hin jaallatu. Gaalee Kakuu Haaraa sadarkeessuuf fedhiin ni jira.

**15:18 "warra saba Waaqayyoo hin ta'iin abbomsisuudhaaf"** Galmi Waaqayyoo yeroo hundaa saba amalasa calaqsudha. Wangeelli Yesuus fakkeenya Waaqayyo Uma 3 keessatti bade deebisa. Waloomni Waaqayyoo wajjin qabnu ragaa amala Waaqumma keenyaati. Amma galmii kiristaanummaa walooma Waaqayyo wajjin qabnu fi Kiristoosin fakkaachu keenyadha.

▣ **"waanan dubbadheefi hojjedhe"** kun abbomamuu waldaa Roomaa osoo hin taanee hojii wangeelaa Phaawuloos agarsiisa. Humna afuuraa (lak 19) wal hidhateera.
15:19 "human mallattoofi dinqii" jechoonni kun lameen yeroo hedduu hojii ergamootaa keessatti waliin mul'atu (14:8-10; 16:16-18, 25-26; 20:9-12; 28:8-9) hojii Waaqayyoos wangela keessaan agarsiisu (2Qor 12:12). Akka moggoyinaati mul'atu. Kun kan agarsiisuu – dinqii ykn jijjiiramu – mirkan dhabudha. Asittis kun fiixee mormii ergamummaa Phaawuloos irra jiru nu agarsiisa. Akkuma hojii kudha lameen Yeruusaalemitti mirkanse, Waaqayyo hojii Phaawuloosis mallattoo mul'atuun Omroota gidduutti mirkanse.

▣ "**Wangeela Kiristoos lallabu danda'e"** Kun Phaawuloos hojii lallabaa baha Meditaraaniiyaanii keessa qabu xumurachuu kan agarsiisudha. (lak 23)

▣ **"hamma iliiriqumitti"** konyaan Roomaa kun Damaatiyaas ni jedhamti, gama baha garba Adiraatie, kaaba dhiha galoo galaana Giriik (Maqaeloniiyaa)ti argamti. Hojiin ergamootaa Phaawuloos naannoo sanati lallabuusaa waniti jedhe hin jiru garuuu naannoo sana turu ni dubbata (20:1-2) "Hamma" jechuun "daangaa" ykn "naannoo sanitti" jechuufidha.

**15:20 "lafa takkaa maqaa Kiristoos hin dhaga'aminitti malee, wangeela akkan hin lallabne murtoo godheera."** Kun tarsiimo hojii wangeelaa Phaawuloosi (1Qor 3:10; 2Qor 10:15-16) Inni Ormoota wangeela dhagahuufi fudhachuuf carraa hin argatiin filate. Inni magaaloota tarsiimoo qabanii, gurguddo empaayera Roomaa turan filate kanaani moo waldaa yoo ijaare naannoo sana duuka buutootaafi hojjettoota akka gochuu danda'urra gahe.

**15:21** kun waraabii septuaginti (LXX) irraa Isa 52:15 Ormoota waa'ee Waaqayyoo dhaganiiti. Phaawuloos raajii kana akka tarsimoo hojii isaati fayyadame.

**15:22-29**
**[22]Sababii kanaaf yeroo baay'ee isin bira dhufuun anaaf hin danda'amne. [23]Amma garuuu naanna'aa kanaa hojii hafe waanan hin qabneef, dhufee isin arguudhaafis waggaa baay'ee hawwaa waanan tureef, [24] yeroo ani Isphaaniyaa dhaquudhaaf achiin darbu isin argee, takka isinitti gammadee, karaa koo irra akka na buuftan nan abdadha. [25]Amma garuuu warra Waaqayyoof qulqullaa' aniif gargaarsa fuudhee Yerusaalem dhaquu koo ti. [26]Warri Maqedooniyaa fi warri Akaayyaa, hiyyeessota Yerusaalemitti warra Waaqayyoof qulqullaa'an gidduutti argamaniif, waan tokkummaa isaanii ittiin mul' isan buusuudhaaf jaallataniiru. [27]Isaan warri Yihudoota hin ta'in kun jaalala isaaniitiin kana godhan; karaa tokko immoo kun waanuma gochuun isaan irra jiru ture; erga warri Yihudootaa eebba hafuuraa isa Waaqayyo irraa argatan warra Yihudoota hin ta'inii wajjin hirmaatanii, warri Yihudoota hin ta'inis waan jireenya fooniitiif argataniin warra Yihudootaa gargaaruun isaan irra jira. [28]Ani hojii kana raawwadhee, horicha isaaniif walitti qabame sanas amanamummaadhaan eegee ergan itti kennee, karaa keessan darbee Isphaaniyaa dhaquudhaaf nan adeemaa. [29]Yeroon dhufus, eebba Kristos guutummaatti isiniif fidee akkan dhufu anuu beeka. 15:30-33 30Yaa obboloota ko gooftaa keenya Yesus Kristosiin, jaalala hafuurri qulqulluun nuuf kenneenis, isin anaa wajjin dhimmitanii Waaqayyoon akka anaaf kadhattaniif isinittan himadha. 31 Yihudaa keessatti miidhaa warra hin amannee akkan ooluuf, warri Waaqayyoof qulqullaa' an gargaarsa ani Yerusaalemitti geessu gammachuudhaan akka fudhataniif, Waaqayyoon anaaf kadhadhaa! 32Ani immoo, jaalala Waaqayyoo yoo ta'e gammachuudhaan isin bira nan dhu5a, isinii wajjin wal arguudhaanis yaadni koo ni boqota. 33 Waaqayyo inni nagaa kennus hunduma keessan bira haa jiraatu! Ameen!**

**15:22 "sababii kanaaf"** sababni kun lak 20 keessati ibsameera.

▣ **"dhuufuun naaf hin danda'amne"** Irra deddeebi'ee dhorkameera. (lak 1:13) waansaa hin ibsamne. Waaqayyo, seeyxaana, saba afuura xuraawaa, wantoota wangeela birroolee ta'uu ni danda'a.

Phaawuloos ergaa kana Qoronxoosi ta'uu hin dagatamu Qoronxoositti farroonnisaa isa miidhaniiru. Sababa kanaa waan karoora imala isaa xumuratu hin dandeenye. Phaawuloos miidhaa waldaa Qoronxos isa mudateen dhugumatti cunqurfameera. Karoorri isaas fashala'uu irra deddeebi'ee ibsu yaaleera.

**15:23 "amma garuuu naanna'aa kanaa hojii hafe waana hin qabneef"** lakkoofsi kun akka naannoo murtaa'aa Eshiyaa xiqqaa ykn Baha Meditaraaniyaati ilaallamu qaba. Naannoo kanatti Phaawuloos nama hundaafi naannoo hundati osoo hin taanee muraasatti qofa lallabe.

▣ **"dhufee isin argufies waggaa baayyee hawwaa waanan turee"** Phaawuloos fedhii Roomaa daawwachuuf akka qabu ibseera (1:10-15, HoE 19:21; 23:11)

Sadarkaa kanatti garaagarteen barruu Giriikii ni jira kan YBS[4] keessatti hin tarreeffamnedha. Barruun Giriikii durii MSS p46, ?, A, D, F, G & L "baayyee" (polus) isa lak 22 keessatti fayyadame, garuuu MSS B, C, &P "hedduu" (ikanos) qaba. Bareessitoonni boodaa haasa'a irra darbaa Phaawuloos waan shakkan fakkaata.

**15:24 "yeroo Ispaaniyaa dhaquuf achiin goru"** Phaawuloos gara dhiha empaayera Roomaa dhaquuf ni barbaada. (2Qor 10:16) Hidhaa Roomotaa jalaa kaniinni bahe gara xumura hojii ergamtootaatti imala afraffaa hojii wangeela ka'ee godaane. Ergamtoonni (Xim, 2Xim fi Tito) kutaa imala afraffaa kana keessatti barreeffame 2Xim 4:10 keessati ragaaan ni jira, barruun Giriik muraasni ?, C fi hiikkaan koptiikiifi vulgaati "Gaul" qaba. Kilmeent Room, xumura jaarraa duraa dura kan barreeffame, ergaa kanaan, "Ergaa Qoronxoos" 5:7 keessatti Phaawuloos gara "daangaa dhihaa" deemuusaa mirkanseera.

▣ **"karaa korra akka na buuftan"** Guutoon kun akka dubbii toftaa waldaa keessaa ta'eef ergamtoota buufata lallaba itti aanuu ibsu kan gargaaru (HoE 15:3; 1Qor 16:6; 11:2Qor 1:16; Tito 3:13; 3Yoh6) Room gargaarsa waldaa Yeruusaalem jirtuuf homaa gochuu hin dandeenye garuuu hojii Phaawuloos keessatti imala gara dhihaatti irratti gumaatu hin oolle.

**15:25 "warra Waaqayyoof qulqullaa'aniif"** Jechi kun maallaqa buusuu wajjin wal hidhata. (lak 31; 1Qor 16:15; 2Qor 8:4; 9:1) mataduree addaa : Qulqulloota 1:7

**15:26 "hiyyeessoota Yeruusaalemitti warra Waaqayyoof qulqulla'an"** Phaawuloos buusii kana fudhachaa (mataduree adda Koinonia 12:13) baroota dheera tureera (1) Galaatiyaafi Eshiyaa xiqqoo, (1Qor 16:1-4), fi (2) Maqadooniyaafi Akiyaa (2Qor 8-9), yaada kana waldaa ganamaa gamtoomsuuf – yihudootaafi Ormoota ni gargaara jedhameeti. Waldaan Omrootaa akka "gammadan" ti hojiicha ibsame. (lak 26 fi 27) mataduree aanee jiru ilaalaa.

**MATADUREE**
**ADDAA : KIRISTAANAAFI BEELA**

I. SEENSA
   A. Beelli yaadachiisa haala kufaatii namootaafi uumamaa yoommuu jiraatudha.
   B. Beelli fuula rakkinaa afuura xuraawaafi gidiraati. Kallattiin sanyi namaafu fide malee Waaqayyo miti. Waaqayyo eebba ykn abaarsa qonnaa akka karaa badhaasaafi adabaati. Saba kakuusaa (Deb 27-28) irratti fudhatullee warra al amantii biratti dhugaa miti (Matt 5:45). Belli fkn dooqna, ufittoofi namooma darsaati. Rakkinni beelaa soora qofaa osoo hin taane kaka'umsaafi duraantoma namoomaati.
   C. Jaalala Waaqayyo agarsiisuuf beelli carraa namoota dhiifama cubbuu barbaadaniiti. Gochiin amantootaa fedhiin qaamaa waldaafi addunyaa kana keessatti qaban eenyummaa keenya kan agarsiisudha.

II. Wantoota Kitaaba Qulqulluu
   A. Kakuu Moofaa
      1. Musee
         a. Sadeen kurnoo bara Israa'eloota durii keessaa tokko hiyyeessaafi (Deb 14:28-29)
         b. Hiyyeessi waan nyaatan akka argatan seerri ni dhiyeessa (Ba'u 23:11; Lew 19:10; 23:22; Deb 24:19-22)
         c. Hiyyeessi gatii xiqqoo akka aarsan seerri ni dhiyeessa (Lew 14:21)
         d. Israa'elonni hiyyeessaafi dhabdootaa garalaafinaafi amala harka dheerachu hin qabana (Deb 15:7-11; Iyob 29:16; 30:25; 31:16-23)
      2. Barruu ogummaa
         a. Warra hiyyeessa gargaaraniif eebba addaa ka'ame ni jira (Far 41:1)
         b. Hiyyeessa gargaaruun Waaqayyo gargaarudha. (Fak 14:31; 17:5; 19:17)
      3. Raajoota
         a. Waaqayyo akka murtoo hawaasaafi garalaafina warra dhabeeyyiif godhamuti Waaqeffatuma barbaada (Isa 58:6-7, Mik 6:8)
         b. Mallattoon ergaa Waaqayyoo tokko hiyyeessaafi dhabeeyyiitti lallabamuudha (Isa 61:1-2)
         c. Raajoni Waaqayyoo cunqursaa hawaasa mormuusaanii (Amos 2:6-8; 5:10-13; mik)
   B. Kakuu Haarawaa
      1. Wangeela
         a. Hiyyeessa gargaaruun ni gorfama (Marq 10:21, Luq 3:11)
         b. Murtoon jaalala maqaa Yesuusn irratti hunda'u qaba. Warra kaan gargaaruun Yesuus gargaarudha. (Mat 25:31-46)
         c. Marq 14:7 dogoggooraan hubatameera akka waan Yesuus hiyyeessaaf dhimma hin qabneetti. Garuuu lak kun adda ta'u Isaa malee gaddeebi'umma hiyyeessaafi miti.
         d. Isa 61:1-2 kan calaqisu warri ergaa Waaqayyoo dhagahan warra hawaasa keessaa baafamanidha. (Luq 4:18; 7:22; 14:21)
      2. Phaawuloos
         a. Phaawuloos yaada aarsaa jaalalaa addaa hiyyeessa waldaa Yeruusaalemi godhamu Antsookiya Sooriyaa irraa barate. (Rom 15:26; 1Qor 16:1; 2Qor 8:4, 6, 19; Gal 2)
         b. Phaawuloos araara, amantiifi hojii cimsa (Efs 2:8-10)
      3. Yaaqob (Kakuu Haaraa Barruu ogummaa)
         a. Amantiin Waaqayyoo karaa Kiristoos dhimmamu hawaasaa maleedha dhibeedha (Yaq 2:14-17)
         b. Amantiin hojii maleedha du'adha.
      4. Yohaannis
         a. Kitaabni 1Yoh kan mirkansu wabiin kiristaanaa tajaajilaafi jireenya amantii jijjiiramte irratti akka bu'uuroftudha (Yoh 3:17-18)

III. Xumura
   A. Gidiraafi dhabni namaa cubbuu namaatti hidhata. Fulaa beelaa hedduutu jira.

1. Amala gowwaa (Fak 19:15)
2. Adaba Waaqayyo (Deb 27-28)
3. Tajaajila afuuraati hidhata (2Qor 11:27)
4. Haala aadaa (doqna, ?)
5. Haala wantoota (Hongee, lolaa, ? kkf)

B. Waaqayyo dhuguma namaa ni eeggata. Dhabeeyyi karaa adda ta'een ni jaallata.
C. Waldaan gocharra jirtu deebii Waaqayyoo inni dhabeeyyiif qabudha ((qaamaafi afuuraan)
    1. Qixaan, gocha dhuunfaa
    2. Gamtaan hiramsa/gocha waldaa
    3. Dhaabata siyaasa jijjiiramaaf
D. Ifa Kitaaba Qulqulluu aadaa keenyaafi ofii keenya sakatta'uu qabna. (2Qor 8-9)
E. Manaafi alatti ija keenya, laphee keenyaaf harka keenya dhabeeyyiif haa hiikkannu :Waldaafi addunyaafillee akkanuma
F. Ergama guddaan gargaarsii waan huyi Kiristoosiin taantti firoomu qaba. (Matt 28:18-20) Gargaarsi qaamaafi afuuraan ta'uu qaba.

**15:27 "yoo"** akeeka barruufi ykn kallatti barreessichaan dhugaadha jedhame tilmaama. Yoo Ormonni eebba afuuraa yihudootaa irraa ni qooddatu ta'e, (Rom 10-11) dhabeeyummaa waldaa Yeruusaalem jirtu irratti gargaaruu qaban.

**15:28**

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"ani hojii kana raawwadhee, horicha isaaniif walitti qabame sanas anamamummaan ergan itti kenne"** |
| **KJHH** | **"hogguun kana hojjedhe isaanii ergeen booda"** |
| **KQSHH** | **"yommuu kana fixe, kan walitti qabames kenneetu"** |
| **TIV** | **"yennaan kana xumuree, isa walitti qabames kenneef** |
| **KQJ** | **"kanas godhe kan buufames itti kenne"** |

Kun akkaatuma baruu itti maranii ergan namuu godhuuti. Karaa itti Phaawuloos maallaqicha erguufi fudhachuudhaaf wabii uumedha. Kanattis wabii godhuuf bakka buutoota waldaa buusii godhanis walitti qabeera. (HoE 20:4) chaappaa, mataduree 4:11 ilaali.

**15:29** Jechi Pleroo pleroma ammas ni jira hubadhaa, yaadannoo lak 14 ilaalaa.

**15:30-33**
**[30]Yaa obboloota ko gooftaa keenya Yesus Kristosiin, jaalala hafuurri qulqulluun nuuf kenneenis, isin anaa wajjin dhimmitanii Waaqayyoon akka anaaf kadhattaniif isinittan himadha. [31]Yihudaa keessatti miidhaa warra hin amannee akkan ooluuf, warri Waaqayyoof qulqullaa' an gargaarsa ani Yerusaalemitti geessu gammachuudhaan akka fudhataniif, Waaqayyoon anaaf kadhadhaa! [32]Ani immoo, jaalala Waaqayyoo yoo ta'e gammachuudhaan isin bira nan dhu5a, isinii wajjin wal arguudhaanis yaadni koo ni boqota. [33]Waaqayyo inni nagaa kennus hunduma keessan bira haa jiraatu! Ameen!**

**15:30 "ana wajjin dhimmitanii … isinittin himadha."** Isaan kun jechoota Giriik jajjaboodha. Inni duraa 12:1 keessas ni jira. Inni lammataa qabsoo Yesuus Getesemaanii keessati argama. Phaawuloos isaafis hojiisaa wangeelaafis kadhata akka isa barbaachisu itti dhagahameera. (2Qor 1:11; Efs 6:18-20; Qol 4:3; 1Tas 5:25; 2Tas 3:1) Turtiinsaa Yeruusaalem rakkisaa ture (lak 31) Roomaa haa ga'us malee akka dursee yaade hin ture. Matadure addaa kadhata 9:3 ilaali.

**15:30-33** kadhatni Phaawuloos waan sadii of keessaa qaba. (1) diinootasaa yihudaa irra akka baraarfamu (HoE 20:22-23) (2) kennaan waldaale Ormaa irraa waldaa Yeruusaalemiif argame gaarii ta'uu (HoE 15:1; 21:17) fi (3) imalasaa gara ispeen keessaan Roomaatti gore daawwachu qaba.

**15:31 "warra hin amanne"** kun yihudoota mormitoota ykn warra yihudoota malee waldaa waliigala kan agarsiisu hin ta'u (11:30, 31)

**15:32** kadhanni Phaawuloos gaaffii lamaa ol dhiyeessuun raawwatame (1) garasaanii gammachuun dhufuu (2) yeroo boqonnaa isaan wajjin argachuu  asitti qofa Kakuu Haaraa keessati, garuuu Isa 11:6 keessati fayyade. Phaawuloos Isa 11:1,10 lak 12 keessatti tuqa) Phaawuloos yeroo boqonnaa sirriifi amantoota bilchoo gidduutti dhinee jabaachu barbaade. (2Qor 4:7-12;6:3-10; 11:23-33). Hin argane Hidhaafi qorannoo waggootaatu mana hidhaa Filisceem keessatu isa eega ture.

**15:33 “Waaqa nagaa”** kun maqaa Waaqayyoo isa bareedaadha. (6:20; 2Qor 13:11; Filp 4:9; 1Tas 5:23; 2Tas 3:16: Ibr 13:20)

▣ **“Ameen”** mata duree addaa 1:25 ilaalaa

**GAAFFILEE MARII**

Kun ibistuu qajeelcha qo’annooti.  Kun jechuun ati, hiikkaa kitaaba Qulqulluu keetiif ittigaafatamaadha. Hundi keenya ifa qabnu keessa socho’uu qabna.  Ati, kitaabni Qulqulluufi afurri Qulqulluu hiikkaa keessatti dursiitoota.  Kana ibsituu wajjin walitti laaquu hin qabdan.

Gaaffileen marii kunneen dhimmoota ijoo kutaa kitaaba kanaa ta’an irratti akka itti yaaduuf akka si gargaaraniif kan dhiyaatanidha.  Ilaalcha dadammaqsuuf malee waan hiikkaa barbaadan miti.

1. Akkamitti Kakuu Moofaa faayidaa warra Kakuu Haaraa ta’uu danda’a? (lak 4-5 1Qor 10:6,11)
2. Maaliif Phaawuloos Kakuu Moofaa lak 9-12 keessatti tuqatee?
3. Kutaa Roomaa kana bikka kamitti muddamni waldaa Roomaa yihudootaafi Ormoota giddutti mul’atee?
4. Kutaa Roomaa kana bikka kamitti wuddamni waa’ee ergaramummaa Phaawulos mul’atee?
5. Sababaan Phaawuloos waldaa warra Ormaaf akka waldaa Yeruusaalem gargaaran dhiyeesse maal turee (lak 15-28)?
6. Tarsiimoon hojii wangeelaa Phaawuloos maal turee? Maaliif gara Ispeen dhaquu barbaadee?
7. Akkamiifi maaliif Phaawuloos hojiisaa akka lubaatti (lak 15) Israa’elin akka mootummaa lubootaatti agarsiisuun (Ba’u 19:5-6) ibsuu barbaade ykn waldaati (1Phex 2:5, 9; Mul 1:6)?
8. Waaqayyo kadhaa Phaawuloos lak 30-33 deebi kenneera?

# ROOMAA 16

| HIRMASA BUUFATA HIIKKAA HAMMAYYAA | | | | |
|---|---|---|---|---|
| **YBS[4]** | **KJHH** | **KQSHH** | **TIV** | **KQJ** |
| Nagoomii Dhuunfaa | Feeben fudhatamte | Nagaa | Nageenya dhuunfaa | Nagenyaafi hawwii |
| 16:1-2 | 16:1-2 | 16:1-2 | 16:1-2 | 16:1-2 |
| | Quqlulloota Roomaaf nagenya | | | |
| 16:3-16 | 16:3-16 | 16:3-16 | 16:3-5a | 16:3-5a |
| | | | 16:5b-7 | |
| | | | 16:8-11 | |
| | | | 16:12-15 | |
| | | | 16:16 | |
| | Warra nama hiran maqsuu | | Abboomii xumuraa | Akeekkachiisaafi ergaa boodaa dursa |
| 16:17-20 | 16:17-20 | 16:17-20 | 16:17-20a | 16:17-20 |
| | | | 16:20b-21 | |
| | Nagaa hiniyyaata Phaawuloos | | | Nagaa xumuraafi ergaa booda lammata |
| 16:21-23 | 16:21-24 | 16:21 | | 16:21-23 |
| | | 16:22 | 16:22 | |
| | | 16:23 | 16:23 | |
| Eebba xumuraa | Eebba | | Kadhata xumura galata | Eebba xumuraa |
| 16:25-27 | 16:25-27 | 16:25-27 | 16:25-26 | 16:25-27 |
| | | | 16:27 | |

**MARROO DUBBISAA SADAFFAA (fuula viii ilaal)**
**FEDHII BARREESSAA KA'UMSAA SADARKAA BUUFATAATTI HORDOFUU**

Kunis ibsituu qajeelcha qo'annooti. Kun jechuun ati hiikkaa kitaaba qulqulluu keetiif itti gaafatamoodha. Hundi keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, kitaabni qulqulluufi afuurri qulqulluu hiikkaa keessatti dursa qabdu. Kana ibsituu wajjiin walitti laaqu hin qabdu.

Boqonnicha taa'umsa tokkoon gadii taa'ii dubbisi. Dhimmicha addaan baafadhu. Hiramsa dhimma kee hiramsa hiikkaalee shaman irra keessa jiran wajjiin wal cina qabii madaali. Buufanni afuurahuun miti. Garuuu

fedha barreessichaa ka'umsaa hordofuuf furtuudha isa handhuuraa hiikkaa ta'ee jiruuf. Buufanni hundi dhimma tokkoof tokko qofa qaa.

1. Buufanni duraa
2. Buufanni lammataa
3. Buufanni sadaffaa
4. Kkf

**ILAA QABIYYEE LAKKOOFSA 1-27**

A. Dubartoonni kutaa xumuraa keessatti maqaa dhahaman hundi hojjettoota gargaarsaa wangeela Phaawuloosidha. (Filp 4:3) Feeben lak 1 keessati; Phirisqillaa lak 3, Mariyaam lak 6, Yunia (Yuniyaas – yoo dhiira hin ta'in) lak 7; Tiriifeenee fi Tiriifaasee lak 12, Pharsiis lak 12 "haadhasaa" lak 13; Yuliyaat lak 15 fi "obboleettisii" lak 15. Dubartoota iddoo hojii wangeelaa irratti cichaa ta'uurra of eeggadhaa. Amantoota hundaaf kennameera, (1Qor 12:7, 11) hojjettoota yeroo guutuu (Efs 4:12)ti. Kitaaba Qulqulluu dhiirti hogganaa ta'uu fedha Waaqoo ta'uu kaa'a. Tarreeffama kana keessati dhiyaaqona kan dubartootaa argina, Feebaniifi ergamtuu dubartii Yuhinaa (Yo'el 2:28; HoE 2:16-21) Dhimma kana akka Kitaaba Qulqulluu ti qabachu beekuun ni rakkisa sababni isaas sababa dubbii dalgaa Phaawuloosdha akkuma 1Qor 11:4-5 fi 14:34;

B. Sanyii maqoota kanaa duddubee hubadhaa
   1. Amantoota yihudaa : Aqilaa, pirisqilaa, Andiroonicus Yuhiyaa maariyaam
   2. Maqaa warra guddaa Roomaa, Pirisqiba, Amphiliyaaxas, Apheles, Naarkisoos, Yuliyaa, Filoologus
   3. Maqaa warra guddaa yihudootaa :Arisxoobulas Herodiyaan

C. Lakkoofsi 1-6 nagoomii dhuunfaa Phaawuloosidha, lak 17-20 moo akkeekkachiisa xumuraa barsiisoota sobaaf dabarsedha. Lak 21-23 gareen hojii kun qoronxoos irraa ergaa nagoomii dabarfata.

D. Boqonnaa 16 keessatti marii ture. Tyndale New Tesamnet Commentarry F.F Bruce barreeffame ni gargaara. Yoo maqoota kutaa kana keessa jiran gadii fageenyaan qorachuu barbaaddan fula 266-284 dubbisaa.

E. Iddotti xalayaan kun xumuramu mamsiisaadha. Iddoon xumuraa yeroo hedduu mul'atee ture xumura boqonnaa 14, 15 (MS $P^{46}$) fi 16 irratti barruu durii keessati ni argama. Haa ta'uti, xumurri aadaa 16:25-27 kun MSS $P^{61}$, ?, B, C, fi D akkasumas barruu Giriik kilmantii Roomaa keessattis (DB 95)

**16:1-2**
**[1]Feebeen obboleettii keenya ishee waldaa kristiyaanaa Kanchre'aaf gargaartuu taatee hojjettu, hadaraan isinitti kennadha. [2]Isheenis kan gooftaa waan taateef simamsa warra Waaqayyoof qulqullaa'aniif ta'uun ishee simaa! Waan barbaachisu hundumaanis ishee gargaaraa! Isheen namoota baay'eedhaaf anaafis immoo dubbattee gargaaraa turte.**

**16:1 "Hadaraan isinitti kennadhe"** kun ergaa mirkansaa daaqonummaa Feeben ture. Feetu xalayaa Phaawuloos kana fudhate gara Roomaa kan dhaqxe taati. Ergaan mirkansaa walfakkaataan kanaa Kakuu Haaraa keessa hedduutu jira. (HoE 18:27 1Qor 16:3; 2Qor 3:1; 8:18-24, fi Filp 2:19-30)

▣ **"Feeben"** maqaan kun "ifa ykn "calalaqa" jechudha.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KJHH** | **"ishee waldaa kiristiyaanaa gargaartu"** |
| **KQSHH** | **"diyaaqona waldaa"** |
| **TEV** | **"tajaajiltuu waldaa"** |
| **KQJ** | **"diyaaqontitti waldaa"** |

Kun jecha diakonos jedhudha. Jecha Giriiki hojii wangelaa tajaajila bakka bu'udha.

Kun kiristoosiif 15:8 fi Phaawuloosiif Efs 3:7; Qol 1:23, 25 tajaajileera.

Biiroo diyaaqonootaaf barreeffamni waldaalee Kitaaba Qulqulluu booda fi Kakuu Haaraa keessatti ragaaaleen tuqaman ni jiran. Fkn dubartoota hojii wangeelaa waldaale keessaa irrati Kakuu Haaraa keessati kan tuqame "shoora dubartii" tikeedha (1Xim 3:11; 5:3-16). Hiikkaan RSV, fi Philips "diyaaqonoota" 16:1 keessati ni qaba. KQSAH fi NIV miljalee irratti qabu. NEB "kan Biroo eegu" jedhe kaa'e. Amantoonni hundi hojii

wangeelaa, yeroo guutuun kennameefira, waamamaniiru. (Efs 4:12) Gariin hogganummaati yaamamana. Adaan keenya karaa Kitaaba Qulqulluu ti nu geessu haa qaaatu Diyaaqoni durii (dhiiraa dhalaan) tajaajiltoota malee boordi hojii raawwachiiftuu miti.

M.R. Vinshent, Word Studies jil 2 ful 752 fi 1196 akki jedhu seerri phaaphaasoota jaarraa xumura lammataafi jalqaba sadaffaa ture keessatti, ayyaana dubartootaa gargaarsa (tajaajiltoota( waldaa garaagaruummaa jiru kaa'eera.

1. diyaaqona
2. dubartoota (1Xim 3:11; 5:9-10)
3. dubaroota bantii (HoE 21:9 fi 1Qor 7:34)

Hojiin isaanii kaa'amte

1. dhibamtoota kunuunsuu
2. warra qaama miidhaman kununsuu
3. warra amantiif hidhaman gaafachuu
4. amantoota haarawaa barsiisuu
5. cuuphaa dubartootaa gargaaruu
6. dubartoota miseensa waldaa to'achuu

**MATADUREE ADDAA : Dubartoota Kitaaba Qulqulluu keessatti**

I. Kakuu Moofaa keessatti
  A. Aadaa, dubartoonni akka qabeenyaatti ilaallamu
    1. qabeenyatti lakka'amuu (Ba'u 20:17)
    2. dubartoota garbatti ilaallamu (Ba'u 21:7-11)
    3. dhiira ittigaafatamaa qabutti hidhamu (lak 30)
    4. akka boojuu waraanaa (Deb 20:10-14; 21:10-14)
  B. Hojmaataan, walgargaarsi ni jira
    1. Dhiiraafi dhalaan fakkeenya Waaqayyo ta'u (Uma 1:26-27)
    2. Abbaafi haadha ulfeessu (Ba'u 20:12 (Deb 5:16)
    3. Haadhaafi abbaa kabajuu (Law 19:3; 20:9)
    4. Dhiiraafi dhalaan Naazireetota (lak 6:1-2)
    5. Dubartoonni dhaalu danda'u (lak 27:1-11)
    6. Nama kakuufi (Deb 29:10-12)
    7. Barsiisa abbaafi haadha ni ilaalu (Fak 1:8; 6:20)
    8. Durbootaafi ilmoota Heman (maatii leewi) iddoo sagadaati farfatan (1Sen 25:5-6)
    9. Bara harawaa imanniifi dubroon
  C. Dubartoonni shoora geggeessummaa keessatti
    1. Obboleetti Muusee, Miriyaam, raajii jedhamte (Ba'u 15:20-21)
    2. akka dunkaana hodhan dubartoonni kennamu (Ba'u 35:25-26)
    3. Dibooraan ni raajjii (Ab. Fir 4:4) geggeessite (Ab Fird 4:4-5; 5:7)
    4. Mootin Yoosiyaas raajitti Huldaa akka "Kitaaba seeraa" harawaa argame dubbistee hiiktu itti erguusaa (2Mot 22:14; 2Sen 34:2-27)
    5. Ruut, dubartii Waaqayyoo, akaakilee Daawiit
    6. Asteer mootitti, dubarti Waaqayyo, yihudoota baraarte

II. Kakuu Harawaa
  A. Aadaa, dubartoonni bara yidudaa fi Giriikoo – Roomaa turan mirga xiqqoo argachuun alatti lammi lammata turan (kun maqadoniyaa hin dabalatu)
  B. Dubartoota hoggansaa
    1. Elsaabeetii fi Maariyaam (dubartoota Waaqayyo) (Luq 1-2)
    2. Hanna, dubarti Waaqoo, iddoo sagadaa tajaajiltu. (Luq 2:36)
    3. Liidiyaa, geggeessitu waldaa manaa (HoE 16:14,40)
    4. Dubree afran Filiphoosi (HoE 21:8-9)
    5. Feeben, diyaaqona waldaa kanchiri'aaf (Rom 16:1)
    6. Pirispillaa, hojjetaa gargaaraa Phaawuloosii fi barsiisa Appolloo (HoE 18:26; Rom 16:3)
    7. Maariyaam, Tirifeenee, Tiriifaasee, Pharsiis, Yuliyaati, obboletti Naaryosos, gargaartoota dubartoota Phaawuloos hedduu (Rom 16:6-16)

8. Yuliyaa (KJV), ergamtuu dubartii (Rom 16:7)#Euyoodiya fi Sintaaqe, gargaartoota Phaawuloos (Fil 4:2-3)

III. Akkamitti amanaan hammayyaa fkn Kitaaba Qulqulluu madaallatuu ni danda'a?

A. Akkamitti namni tokko dhugaa seenaa ykn adda isa barruu ka'umsaatti ta'u, dhugaa jiraataa waldaaleef gatii qabu, hamantoonni bara kamuu addaan baafatuu?

1. Yaada barreessaa ka'umsaa suuta hordofuu qabna. Kitaabni Qulqulluu sagalee Waaqayyooti amantiifi shaakalaafis madda tokkicha.
2. Barruu afuura seena qabeessaas ilaaluu qabna.
   a. Jifuu (safuu fi dhuudhaa) Israa'eloota (HoE 15 Gal 3)
   b. Yudiizimi jaarraa duraa
   c. Dubbii Phaawuloos seenaa keessaa 1 Qoronxoos
      (1) Seera Waaqmaleeyii Roomaa (1Qor 6)
      (2) gabrummaatti hafan (1Qor 7:20-24)
      (3) kan hin fuune yookiin kan hin heerumne,(1Qor. 7:1-35)
      (4) dubrummaa (1Qor 7:36-38)
      (5) aarsaa fakkitti galame (1Qor 10:23-33)
      (6) gocha Irbaata Gooftaa irratti ta'e (1Qor 11)
3. Waaqayyo gayya ta'e, aadaa ta'e keessatti guutummaa fi ifatti of mul'iseera. Mul'aticha sirritti fudhachuu qabaanullee garuuu wantootasaa hundaa wajjin miti. Sagaleen Waaqayyoo yeroo ta'e, aadaa ta'e keessatti barreeffame.

B. Hiikkaan Kitaaba Qulqulluu fedha ka'umsaa barreessichaa barbaadee argatuu qaba. Guyyaa har'aan mala jedhaa? Kun hiikkaa sirriif bu'uura barbaachiisaadha. Kanmoo hojiitti hiiknu qabana. Amma, rakkoon hoggansa dubarti (rakkoon hiikkaa feetu jecha ibsuudha.) kinooti. Bakka hojiin wangeelaa lakkoofsa ergamtootaa caaleti. Eenyutu hogganaadhaa? Diyaaqonoonni eessarratti hogganaa ta'uu (Rom 16:1)? Phaawuloos 1Qor 14:34-35 fi 1Xim 2:9-15, keessatti dubartoonni Waaqeffachiisuu keessatti akka isaan dursa hin fudhanne ifatti kaa'eera. Garuuu hardha sana akkamitti gochuun danda'amaa? Aadaa Phaawuloos hin fedhu, ykn kan koo fedhaa fi sagalee Waaqayyo ukkaamsu hin barbaadu. Guyyoon Phaawuloos murtaa'oo turan, garuuu kiyya moo banaa turan. Kanaaf sagalee fi barsiifni Phaawuloos haalalaallatee, jaarraa duraa, dhugaa gandaati jechuun natti hin tolu. sammuu koo ykn aadaa koo inni barreessaa fuurahun barreesse qeequudhaaf, anii eenyuu?

Haata'uti, hoggu fakkeenyi dubartoota hoggansaa Kitaaba Qulqulluu keessa jiraatu (barreeffama Phaawuloos, Roma 16) argamanitti ani maalan godha? Fakkeenyi gaarii Phaawuloos waa'ee Waaqaffannaa mariif kaase keessaa 1Qor 11-14ti. 11:5 keessatti waan dubartootaaf kadhataafi lallaba kan hayyame ni fakkaata; yoo kan rifeensa mataa maratan ta'e, moo 14:34-35 keessatti akka caldhisan kadhata. Diyaaqonoota Rom 16:1 fi raajoonni (HoE 21:9) ni jiran. Garaagartee kanatu akkan qeeqa Phaawuloos jaarraa duraa Qoronxoosiifi Efesooni daangeffanu akkan sakatta'u kan naaf heyyame (uggura dubartootarra jiru) waldaale lameen keessatti mirga haarawa dubartootaa argamte shaakalu irratti rakkoon ni jira. (Biruus Minter, Corinth After Phul Left) ilaalaa) hanga waldaan saba Kiristoos gahuu hanqatutti. Mirgisaanii yoo daangeffame wangeelli caalatti hojiirra oola.

Barri koo faallaa Phaawuloosidha. Barri koo kana moo yoo dubartoota leenji'an, dubbachu danda'aniif wangeelli hin qoodamu ta'e, hin hogganan yoo ta'e hojiin wangeelaa ni danqama. Maali galmii dhumaa Waaqeffannoodha? Wangeela barsiisuufi duuka buutuu horachuu mitii? Hoggantoota dubartoota Waaqayyo garaan isaa ciisaa? Waligalli Kitaaba Qulqulluu kan "eeyyee" jedhu fakkaata.

Ani gara Phaawuloositti luuca'a. Xinamantiin koo Phaawuloosummaa qabdi. Ani leellistoota dubartoota hammayyaan yaadan cunqurfamu hin barbaadu! Haa ta'uu, waldaan dhugaa wangeelaaf laafuushiif nan gadda. Akkuma garbummaa, sanyummaa, dhiphummaafi sagaagaltummaati lafaa ta'e. Dubartoota addunyaa bara kanaas balaaleffachuufis laafaniiru. Waaqayyo karaa Kiristoos garbaafi dubartii walaboomseera. Jechi aadaan walqabsiifamee dubbatame kun akka isaan gad tumu fedhuudhaaf ija hinjaabaadhu. Qabxiin dabalataa: akka nama hiika hiikaatti waldaan Qorontoos jeequmsa akka qaban ni beeka sochii Hafuura Qulqulluu Dubartoonni kanaan qabamanii jiru. Anis kaniin amanu. Efesoon barsiisoota sobaan dubartootarra carraa fudhatamuufi waldaa manaa keessatti akka ittaantuu fayyadamaniin rakkachuushiiti.

C. Yaada dabalataa dubbisaaf tolu

1. How to Read the Bible For All its worth
   (Gordon Fii fi Doog Istuwaarti (ful 61-77)

2. Gospel fi Ispiriti : Issues in New Testament Hermenteuties, Gondon Fii
3. Hard Sayings of the Bible, Walter C. Kaiseer, Piter H Devids, F.F bBiruus fi Maanfireed T. Biraanchi (ful 613-616; 665-667)

▣ **"Waldaa"** mataduree aanee jiru ilaalaa

**MATADUREE ADDAA: WALDAA (EKKLESIA)**
Jechi Giriik, ekklesia, jechoota "ala" fi "yaamicha" jedhurra dhufe. Kanaafu jechichi alaa yaamamauudha. Waldaaleen ganamaa jecha kana alaa fudhatan (HoE 19:32, 39, 41) fi sababa Septuagint "waaqeffannaa" Israa'eloota (Lak 16:3; 20:4) fayyadame tureefidha. Akka itti fufinsa saba Waaqayyoo bara Kakuu Moofaa fi fudhatani, Isaan Israa'eloota haarawaa (Rom 2:28-29) Gal 6:16; 1Phex 2:5, 9; Mul 1:6) ittin guutama hojii Waaqayyoo addunyaa guutuu (Uma 3:15 12:3; Ba'u 19:5-6; Matt 28:18-20; Luq 24:47; HoE 1:8) ture.
Jechi kun miira gargaraan wangeelaafi HoE keessatti fayyada.
1. Gumii, HoE 19:32, 39, 41
2. Kiristoositti saba Waaqayyo, Matt 16:18 fi Efs
3. Waldaa gandaa amantoota Kiristoos, Matt 18:17; HoE 5:11 (lak kun waldaa Yeruusaaleem garsiisa)
4. Saba Israa'el waliigalaa, HoE 7:38 lallaba istifaanos
5. Saba Waaqayyo naannoo, HoE 8:3 (Yihuda ykn Filisxeem

▣ **"kanchre'aaf"** kun buufata doonii Qoronxoos keessaa tokko. Kun gama bahaati argamti (HoE 18:18)

**16:2 "isheenis kan Gooftaa waan taateef simadhaa"** kun dha jechuunis "akka keessummaatti simachuu" jechudha (Filp 2:29). Phaawuloos dubartii kana waan amanuuf waldaan akka isii fudhatee bakkasaa ishii gargaaru gaafata.

▣ **"qulqulloota"** Jechi kun "qulqulluu tokko" jechudha. Sadarkaa amantoonni Yesuusitti qaban qofa osoo hin taane jireenya Waaqummaasaanii, sadarkaa qulqullina haarawaa amma Kiristoosiin argatan agarsiisuusaanii kan agarsiisudha.

Isa Philiphoosiyaas (4:21) keessatti malee jechi "quqlulloota" jedhuu dacha agarsiisa; achittile gamtooma ni qaba. Kiristaana ta'uuf miseensa hawaasa amantii, maatiifi qaama ta'uun dirqama. Waldaaleen gara dhihaa jiran gamtooma amantii kana buusaa jiru. Mataduree "Qulqulloota 1:7" jedhu ilaalaa

▣ **"waan barbaachisu hundumaanis ishee gargaaraa"** *subjunctivii* lamatu jira. Inni duraa paristemi Yeroo ammaa hojiira kan jiru jechunis "akka gargaaruuf dhaabbachu" Inni lammataa, chrezo yeroo amma ammaa jechuun "waan barbaadameen gargaaruu" (2Qor 3:1)

Kun dhiyeessii meeshaalee hojii imala wangeelaaf gaafatudha. Akeekni ergaa kanaas mirkansuma kanaati.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH, KJHH** | **"namoota baayyeedhaaf gargaaraa turte"** |
| **KQSHH** | **"fayyaddu namoota heddu turte"** |
| **TIV** | **"isin mataansee hiriyyaa nama hedduu turte."** |
| **KQJ** | **"nama baayyee duubaan turte"** |

Jechi kun, proistatis, Kakuu Haaraa keessatti asitti qofa argama. Kun gargaarsa maallaqaa ykn qaamaa agarsiisa. Jechi kun ka'umsarratti duurooma agarsiisa. Eegi Feeban gara Roomaatti imala kaate (lak 1) fi hedduu gargaartee (lak 2) kun isheef seenaa dhugaa ta'uufi mala.

**16:3-16**
**[3]Hojii Kristos Yesusitti warra hidhata koo ta'an, Phrisqiilaa fi Aqiilaadhaaf nagaa koo anaaf dhi' eessaa ! [4]Isaanoo du'a na oolchuudhaaf jedhanii morma isaanii kennaniiru. Ani isaan nan galateeffadha; ana duwwaa utuu hin ta'in waldoonni kristiyaanaa saba warra kaanii hundinuus isaan ni galateeffatu. [5]Waldicha isa mana isaaniitti walitti qabamuttis nagaa koo anaaf himaa! Ephanexos michuu koo, warra biyya Asiyaatii Kristosiif of kennan keessaa, isa angafatti nagaa koo anaaf dhi' eessaa ! [6]Maariyaam ishee jabeessitee isiniif hojjetteef nagaa koo anaaf dhi'eessaa! [7]Andronikosii fi Yuniyaas Yihudoota warra akka kootii, warra ana a wajjin hidhamanii turaniif nagaa koo anaaf dhi'eessaa! Isaan ergarp.oota keessaa beekamoo dha, ana dura kan Kristos ta'anis. [8]Amphiliiyaaxos isa karaa gooftaa michuu koo ta'etti nagaa koo anaaf himaa! [9]Urbaanos isa hojii Kristositti hidhata keenya ta' eef Isxaakis michuu kootti nagaa koo anaaf himaa! [10]Apheles isa kan Kristos ta'uun isaa qoramee bira ga'ameef nagaa koo anaaf dhi'eessaa! Namoota maatii Arisxobulos keessaa dhufanitti nagaa koo anaaf himaa! [11]Herodiyon Yihudii akka kootiitti nagaa koo anaaf himaa! Maatii Naarksos keessaa warra gooftaa fudhataniifnagaa koo anaaf dhi' eessaa! [12]Triifeenee fi Triifaasee warra hojii gooftaatti dadhabaa jiranitti nagaa koo anaaf himaa! Pharsiis jaallatamtuu ishee hojii gooftaatti baay'ee dadhabdeefnagaa koo anaaf dhi'eessaa! [13]Ruufoos isa hojii gooftaatti fo'ame, akkasuma immoo haadha isaa ishee anaafis haadha taatetti nagaa koo anaaf himaa ! [14]Asinkriixosii fi Filegoonii fi, Hermeesii fi Phaaxrobaas, Hermaasii fi obboloota isaan bira jiraniifis nagaa koo anaaf dhi'eessaa! [15]Filologosii fi Yuliyaatti, Neryoosii fi obboleettii isaatti Olimphaasittis, warra Waaqayyoof qulqullaa'anii isaan bira jiran hundumaattis nagaa koo anaaf himaa! 16.Yaada qulqullaa'aatiin wal dhungachuudhaan nagaa wal gaafadhaa! Waldoonni Kristos hundinuu nagaa isaanii isiniif ni ergu.**

**16:3 "phirisqilaa fi Agiilaa"** Luqaas "phirisqillaa" jedhee yaama Maqaa dhirsashii dura yaamamti. Kun waan baratame miti. (HoE 18:18, 26; 1Qor 16:19; 2Xim 4:19) warra guddaa Roomaa keessa kan dhufte ykn abboomtuu maatiicha ta'uu dandeessi. Lameen, Phaawuloosiifi warri kun hodhituu dunkaanaa ykn gogaa hojjetan ta'u. Phaawuloos "Yesuus Kiristoositti hojjeettota gargaarsaa" jedhaan. Feetu jabinaa fi dadhabina waldaa Roomaa jara kanarraa dhagahe ta'a.

**16:4 "mormasaanii kennanii"** kun akka dubbii "haalbee ajeechaa" agarsiisudha. Kitaaba Qulqulluu waan Phaawuloos jedhu kana irratti waan jedhe hin qabu.

▣ **"ana duwwaa osoo hin ta'iin waldoonni kiristaanaa saba warra kaanii hundinuu isaan ni galateeffatu"** Phaawuloos gargaarsaa fi michoomasaanii baayye guddifataan. Tajaajilasaaniille" waldoota Ormaa hunda" keessa ni dagaagsa. Mirkansaafi galateeffannaa garaa nama raasu warra appiloos jajjabeessaniifi barsiisan agarsiisuuf ta'a. (HoE 18:24-28)

**16:5 "waldaa"** kun saba agarsiisa malee gamoo miti. Jechichi "warra yaamaman" Jechuudha. Kakuu Moofaa Giriikotaa keessatti, Septugint (LXX) jecha Ibrootaa 'qahal' bakka bu'a. Innis "Waaqeffachuu" jechuudha. Waldoonni ganamaa akka dhaaltotaa fi ittiin guuta Kakuu Moofaa "waldaa Israa'el" ti of ilaalu mataduree addaa 16:1 ilaalaa.

▣ **"isa mana isaaniitti walitti qabamu"** kiristiyaanonni ganama manattis walargu (16:23, HoE 12:12, 1Qor 16:19; Qol 4:15 fi Film 2) Ijaarsi waldaa hanga jaarraa sadaffaa D.B ti hin mul'anne.
▣ **"Ephanexos"** maqaan nama kanaa "Galataa" jechuudha.
▣ **"isa hangafaatti"** kunis maatii Isxifaanosifidha 1Qor 16:15
▣ **"biyya Asiyaatti"** kun konyaa Roomaa isa cinaacha sadiirra tokko Furkii hammayyoomti amma agarsiisa.

**16:6 "Maariyaam, ishe jabeessitee isiniif hojjetteef"** waa'ee nama kanaa homtuu hin beekkamu. Feetu hojjettu wangeelaa waldaa Roomaa ni taati. Baayyonni, amantoonni Waaqayyoo nuuf hin beekkamiin malee Waaqayyo isaan ni beeka.

**16:7 "na wajjiin hidhamanii turan"** Hayyoonni si'anaa waa'ee hidhama kanaa dubbii qabu. Phaawuloos amantiisaaf Filiphitti, Qesaariyaatti, Roomaatti fi iddo Biroottis hidhameera. (Efs, 1Qor 15:32; 2Qor 1:8)

▣ **"Yuniyaas"** Maqaan kun dhiiraa ykn dhalaa ta'uun loqodaan gargar baha. Gargagarteen barruu "Iounian" jedhuu MSS ? A, B, C, D, F, G, fi P keessa ni jira. Garuuu loqoda hin qaban. Inni loqodaan dubartii fakkeessu MSS b2, D2 fi 0150 keessa jira. Barruun paapiras ganama p56 fi gariin Vulgatiifi hiikkaan koptic akkasumas kan Giriik "Ioulian" jechuun dubartomsa. Hayyoonni kana dogoggora yeroo gargalchaati jedhu. Inni dubartummaa kun 16:15 keessatti hin mul'anne. Lameen lak 7 keessatti maqaa dhahaman (1) yihudoota lama kan Phaawuloos waliin hidhamanii turan, (2) obboleeyyan, ykn (3) dhirsaafi niitiidha. Yoo kun dhala ta'ee fi Guutoon "ergamtoota" jedhu bal'atee fayyada ta'ee "kudha lameen" darbe kun ergamtoota dubartootaa ta'a.

Wanni gammachiisaan Birooon qubeen "yuniyaas" kan jedhu Roomaa keessattis ta'e iddoo Biroo hin jiru garuuu kan "yuniya" jedhu iddoo hedduu guute. Maqaa warraa guddaa Roomootaati. Odeeffanno dubartoota hojii wangeelaaf women leaders and the church, Lindaa L. Bellevillee ful 188 mijalee 42 dubbisaa.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"isaan ergamtoota keessaa beekkamoodha"** |
| **KJHH** | **"ergamtoota keessaa isaan beekkamoo"** |
| **KQSHH** | **"ergamtoota keessaa beekkamtoota"** |
| **TIV** | **"ergamtoota gidduutti isaan beekkaman"** |
| **KQJ** | **"ergamtoota beekkamoosaniin"** |

Kun kudha lameen bir qabamanii, yoo isaanitti hin beekkamu ta'an, ykn garee hojjettoota wangeelaa "ergamtoota" jedhaman kan agarsiisudha. (HoE 14:4, 14; 18:5; 1Qor 4:9; Gal 1:19; Filp 2:25; 1Tas 2:6) Barruun akkuma Efs 4:11 keessatti faayidaa balloo jechaa agarsiisa, kudha lameen agarsiisa. Mataduree addaa: Erguu (Apostello) 1:1 ilaalaa

▣ "ana dura kan Kiristoos ta'ani" kun jechuun osoo Phaawuloos daandii Damaasqoo irratti hin jijjiiramin dura fayyinnii gara tajaajila Kiristoos cehan jechudha.

**16:8-16** Maqoonni kana keessa jiran hayyootaan hin beekkaman Waaqayyoofi Phaawuloosin haa jaalataman malee maqaafi tajaajiillisaanii Kakuu Haaraa keessattis ta'e barruu durii keessatti hin argamu. Kan dagatamu hin qabne maqoota garbaafi warra guddaa Roomaafi yihudaa walmakatee jiraachuusaati. Dhiiraafi dhabaan ni jiran. Duureyyii luba bahaniifi lallabdoota imala ni jiran. Namoonni biyya alaa piraasiyaa ni jiru. Waldaa Yesuus Kiristoos keessa garaagarteen hininuu ni jirana. (3:22; 10:12; Yo'el 2:28-32 (HoW 2:14-21), 1Qor 12:11; Gal 3:28; Qol 3:11)

**16:8 "Amphiliiyaaxos"** Akkuma maqaa priisqaa fi Yuuniyaa maqaa beekkama warra guddaa Roomotaati.

▣ **"karaa Gooftaa michuu koo"** Jechi "michuu koo" jedhu Waaqayyo abbaatu ilmasaa Yesuusiif fayyadame. Matt 3:17 fi 17:5, FARUU Isaayaas irraa (Matt 12:18, tuq Isa 42:1) Haata'u Phaawuloos ittiin amantoota bira gahuuf fayyadama (1:7; 16:8,9; 1Qor 4:14, 17; 15:58; Efs 6:21; Filp 2:12; Qol 4:7, 9, 14; 1Xim 6:2; Film lak 16)
16:9 "Urbaanos" Jechuun "jiraataa gandaa" ykn "magaalaa"dha

▣ **"Kiristoositti"** kun irra deddeebi'ame "gooftaatti" wajjin wal hidhateera. Hojjettonni Kiristoos kunneen qaama maatii tokkichaafi fayyisaa tokkichaa ta'aniiru.

▣ **"Isxaakis"** maqaa hin jirreedha "gurra" jechuudha. Arkiyoolojiin maqaan kun maatii qeesaaritti akka hidhata qabu ragaa kenneera.

**16:10 "kan Kiristoos ta'uunsaa qoratame irra gahame"** Akki dubbii kun nama qorumsa keessa darbee murtii dhugaa argate amaname tokko agarsiisa. Mataduree addaa 2:18 ilaalaa.

▣ **"maatii"** Hayyoonni garii Guutoon kun garboota tajaajiltoota Arisxobulos malee maatii mitii jedhu. Lak 11 "maatii Narkos jedhulle akkuma kanatti dubbatu.

▣ **"Arisxo bulosiif"** Hayyoonni garii obboleessa Herood Agriipha I (isa ergama Yohaannis HoE 12 keessatti ajjeese) ti akka ta'e tilmaamu. Yoo kana, akkatti wangeelli maatii warra guddaa kana booji'ee agarsiisa.

**16:11 “Herodiyon”** kun garba maatii Herood ta’uu hin oolu.

▣ **“maatii Naarkisos”** kun tajaajila beekkama mooticha Qalaawidiyoos kan agarsiisudha, yoo kanaa, akkatti wangeelli warra guddaa Roomaa naalche agarsiisa.

**16:12 “triifeenee”** maqaan kun jechuun “bareeda” jechudha

▣ **“Triifaasee”** jechuun “mi’ooftuu” jechuudha. Feetu lameen obboleeyyan, sanuu lakkuu ta’uu hin oolan.

▣ **“baayye dadhabdeef”** jechichi hiikkaa hojii humnaa ni qaba hanga dadhabaniitti hojjechuu qaba.

▣ **“baayye dadhabdeef”** jechichi hiikkaa hojii humnaa ni qaba. Hanga dadhabanitti hojjechuu qaba.

▣ **“Pharsiis”** kun jechuun “dubartii” “pharsiyaa” jechudha.

**16:13 “Ruufoos”** kun jechuun “diimaa” ykn “mataa diimatu” jechuudha. Roomaa keessatti addatti Ruufoos jedhame beekkamu ni jira. (Marq 15:21) kun namuma kana haa ta’uu hin mirkanoofne garuuu ni jira.

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **“isa hojii gooftaaf fo’ame”** |
| **KJHH, KQSHH** | **“gooftaadhaan kan filatame”** |
| **TIV** | **“tajaajila gooftaa keessatti isa beekkame”** |
| **KQJ** | **“tajaajila filatamaa gooftaa”** |

Kun “isa filatame” jechudha. Asitti jechichi yaamicha Waaqayyooti qofa osoo hin taanee tajaajila biddiqa jireenya dabalateeti. Harmeensaas Phaawuloosiin haalaan tajaajilteetti. 16:14 “Hermaasii” kun maqaa Waaqayyoo isa carraa gaariiti. Maqaa garbaa beekkama bara Giriikoo Roomaati. 16:15 “warra Waaqayyoof qulqull’an” mataduree: Qulqulloota 1:7 baale yoomiifi eessatti akka ta’e ragaaan hin jiru. Mana barumsaa amantii, akki nagaa gaaffiin sun waldoota keessa bal’ate, dhiirti dhiira maddiifi dubartoon waldhungatu (1Qor 16:20; 2Qor 13:12; 1Tas 5:26; 1Phex 5:14) Dhunguun kun waldaa keessatti rakkisaa ta’e, akkasumas amantoota biratti hubannoo dogoggora uume. Kanaafis ni dhaabbate.

**16:17-20**

**[17]obboloota ko! Warra barsiisa isin fudhattaniin mormuudhaan yaada namootaa gargar baasanii, amantii irraa kuffisanittii akka of eeggattan isinan gorsa; isaan irraa fagaadhaa ! [18]Warri wanta akkasii hojjetan kun garaa isaaniitiif yaadanii hojjetu malee, Kristos gooftaa keenyaaf hin hojjetan; isaanis dubbii gurra namaatti tolee gaarii fakkaatuun garaa namoota garraamotaa ni gowwoomsu. [19]Namoonni hundinuu wangeelaaf abboomamuu keessan dhaga'aniiru; kanaafis ani waa'ee keessaniif nan gammada. Wanta gaariidhaaf yaada ogummaa akka qabaattan, wanta hamaadhaaf garuu yaada haxxummaa akka isin hin qabaanne nan barbaada. [20]Waaqayyo inni nagaa kennu immoo dafee Seexana miilla keessan jalatti ni caccabsa; ayyaanni gooftaa keenya Yesus isinii wajjin haa ta'u !**

**16:17** Akeekkachifni kun utuu hin beekkamiin qabiyyetti bu’e. Lak 17-18 keessa waan barsiisonni sobaa kunneen barsiisan tarreeffamee ni jira.

1. hiramsa uumuusaanii
2. deemsa amantootaa danqaa ka’an
3. ajaja waldaan kennitu mormii eegalan
4. fedhiisaanii qofa tajaajiluu fufan
5. arraba lallaaftuun saba hin shakkine gowwomsuusaanii

Kun cufti jabinaafi laafina amantootaati hin hidhatu. 14:1-15:13

▣ **"isaanirraa fagaadhaa"** (present active imperative ) dha. Kun qabiyyee haaromedha. (Gal 1:8-9; 2Tas 3:6, 14; 2Yoh 10)

**16:18**
**KQSAH, KQSHH**
**TIV "dharraasaanii qofa"**
**KJHH "garaasaanii"**
**KJHH "doqnoomasaanii"**

Akka barruuti "garaa" dha (Filp 3:19: Tito 1:12) Barsiisonni sobaa waan hunda dantaasaaniiti gargalfatu.

▣ **"dubbii gurra namaatti tolu, lallaafuun"** Barsiisonni sobaa qaamaan hawwatootaafi namooma addaa qabu (Qol 2:4) Dubbiisaaniin dhugaa fakkeessu. Uf eeggadha! Qorumsi Kitaaba Qulqulluu barsiisota sobaa Deb 13:1-5; 18:22; Matt 7; Filp 3:2-3, 18-19, 1Yoh 4:1-6) keessa ni jira.

▣ **"garaa namoota garraamii"** kun wanna godhamaa jiru agarsiisa. Amantoonni haarawaafi garraamonni iddoo hin qabanne" afuura hamaan hin shakalle"dha.

**16:19 "wangeelaaf abboomamuu keessan hundi dhagahaniiru"** Kun lak 1:8 keessatti tuqameera. Kun ol guddisuu Phaawuloos keessaa isa tokkodha.

▣ **"wanna gaariidhaaf … yaada ogummaa, wanna hamaaf … yaada haxxummaa qabaadhaa"** kun barsiisa Yesuus calaqisa (Matt 10:16; Luq 10:3)

**16:20 "Waaqayyo inni nagaa kennu"** kun maqaa bareeda Waaqayyoof kennamedha. (15:33; 2Qor 13:16; Filp 4:9; 1Tas 5:23 fi Ibr 13:20)

▣ "**dafee seeyxaana miila keessan jalatti hin cabsa"** kun itti eera Uma 3:15ti. Walitti dhufeenyi amantoonni masiih waliin qaban injifanno isaan gonfachiiseera. (1Yohn 5:18-20) kun ittigaafama fi abdii gammachiisaadha. Yaada kana keessatti seeyxanni karaa barsiisota sobaa ceequmsaa fi hrimsa daransuun waldaan akka ergamashee guddaa harkaa buufattu dhaqqabsiiseera. Kana duubatti barsiisonni sobaa waaqoli tolfamodha. Wangeelli warra dukkannii fi afuurri hamaa ammata waliin jiru jalaa hin kaachisa. Kitaabni bareedaa dhimma kanaa, Three curcial Questions About Spritual Warfare, by Kilinton E Arnoold barreeffame dubbisaa.

**MATADUREE ADDAA : AFUURA HAMAA DHUUNFAA**

Kun sababa hedduuf rakkisaadha.

Kakuu Moofaa diinaa gaarummaatti hin dhiyeessu, garuuu tajaajilaan YHWH inni dhala namaaf carraa filannoo kenne fi qajeelumma dhabuufi moo dheekkamu kana kenna.

1. Diinoomni Waaqayyoo kan guddataa dhufe Kitaaba Qulqulluu (N-qanoonaa) keessatti, sababa amantii Phariisotaa (Zoraastrianizm) kun moo darbee barsiisa yudootaa cimsee hacuuce ture.
2. Kakuu Haaraa qabiyyee Kakuu Moofaa ni fudhata, filatee, gumeessee. Yoo namni tokko qo'annoo afuura hamaa kallatti xinamantii Kitaaba Qulqulluu itti dhiyaate, (Kitaabni hundi ykn barreessa ykn gosa qo'anno fi addatti tarreeffame) wanti addaa afuura hamaa ni mul'ata.

Yoo namni tokko qo'annoo afuura hamaa kallattii al-Kitaaba Qulqulluu ykn dhiyaatina dabal Kitaaba Quqlullu amantii addunyaa ykn amantii dhiyoota ta'e, irra guddeessi dagaagsa Kakuu Haaraa amantii dachaama Fariisootaan fi afuuramu Giriiko-Roomaan haguuggama.

Yoo namni tokko durfilmaamoo humna aboo Kitaaba Qulqulluu fi of kenne dagaagni Kakuu Haaraa akka mul'ata tattaafataati ilaallama. Kiristaanni akka foolli yihudootaa ykn hogbarruu dhiyootaa (S.S Daantee Milton) akka Kitaaba Qulqulluu ibsa hin kennine ittisuu qaban. Iddo kana irratti wanti iccitii fi walxaxaa ni jira. Waaqayyo waan hundaa amajaajiidhaa, maddasaa akeekasaa, ibsuu dhiisuu filate, garuuu injifatamuusaa ibseera.

Kakuu Moofaa keessatti jechi seeyxana ykn yakkaan garee addaa sadii ta'an kan agarsii fakkaata.

1. Yakka namootaa (1Sam 29:4; 2Sam 19:22; 1Mot 11:14, 23, 25; Far 109:6)
2. Yakkaa ergamtoota (lak 22:22-23; Zak 3:1)

3. Yakkaa Waaqolii (1Sen 21:1; 1Mot 22:21; Zak 13:2)

Dhumarratti yeroo kakuun booda seeyxanni Uma 3 keessatti adda baafame (kitaaba ogummaa 2:23-24, 2 Yenook 31:3) "Ilmaan Waaqayyoo" Uma 6 keessa jiran 1Yenok 54:6 keessatti ergamtoota ta'an. Kaniin kana ibsu, xinamanti qixaa ta'e mirkansuuf odoo hin taanee, guddinasaa agarsiisuufi. Kakuu Haaraa keessatti hojiilee Kakuu Moofaa ergamtootaa fi amajaajota maqaan tuqaman (S.S seeyxana) 2Qor 11:3; Mul 12:9 keessattis.

Kakuu Moofaa keessaa ka'umsa amajaajii namoome murteessuuf rakkisaadha ykn hin danda'amu (ilaalcha keessanirratti hundaa'un) sababni tokkoffaa ejjennoo Israa'elonni tokkichuma qaban turedha (1Mot 22:20-22, Lal 7:14; Isa 45:7; Amos 3:6) Sababoonni hundi YHWHn tokkichummaa fi addummaasaa akka agarsiisu godhuun. (Isa 43:11; 44:6, 8, 24; 45:5-6, 14, 18, 21, 22)

Maddi odeeffannoo danda'amu kan xiyyeeffatu (1) Yoob 1-2 iddootti seeyxanni "ilmaan Waaqa" keessaa tokko ta'e (S.S ergamoota) ykn (2) Isa 14, Hizq 28 mootota bahaa cinatti iddootti boonaa ta'e (Baabiloon fi Xiiroos) boona seeyxaanaa agarsiisan (1Xim 3:6) waa'ee kanaa walmakinsan qaba. Hizqeel dubbii iddo biqila Eden mooti Xiiroos qofa akka seeyxanaatti fudhate miti (Hiz 28:12-16) mootii Misiriifis akka muka beekkomsaa gaarii fi yaraatti (Hiz 31) malee. Haata'uuti Isa 14, keessattu lak 12-14 fincila ergamoota boona keessaan ta'e agarsiisa. Osoo Waaqayyo uumamaa fi madda seeyxaanaa nuuf mul'isuu barbaade karaa maraa fi kana isa hin barbaachisu ture. Xiqqo fudhachuu, walxaxa kakuu gara garaa, barreessitoota kitaabota, gosa fi gumeessani tokkotti fudhachuu toftaa xinamantii eeguu qabne.

Alfireed Idersheymi (The life and times of Jesus the Messcah, jil 2, XIII (ful 748-763) fi XVI (ful 770-776) keessatti barsiisummaan yihudooma, dachuma fariisoota fi tilmaana Waaq tolfamaan cunqurfame. Barsiisonni iddoo kanarratti madda dhugaa ta'uu hin dandeenye. Yesuus barsiisa iddo sagadarra addatti gore. Akkan ani yaadutti yaanni barsiisa sagada ergamtootaa fi mormiin seera Muusee gaara sinaayitti kennamtee karra diinummaa ergamoota Waaqayyoo YHWH fi sanyi namaatti saaqe natty fakkaata. Waaqolin gurguddoo Iraanotaa (Zoraastrian) dacha lameen, Ahkiman fi Ormaza, gaarii fi yaraa kun gara dachoma amanti yihudootaa YHWH fi seeyxaanaatti guddate.

Akka guddina amajaajiitti, Kakuu Haaraa keessatti mul'ata tattaafataatu ture. Fakkeenyi gaarii garaa gartee kana moo "lola jannata" keessaati. Kufaatiin seeyxaanaa waan barbaachisaadha, garuuu ibsi hin kennamne. Wannumti kennameyu ifa miti (Mul 12:4, 7, 12-13) Seeyxanni mohamee lafatti gaddarbatamullee ammallee YHWH tajaajilaa jira (Matt 4:1; Luq 22:31-32; 1Qor 5:5; 1Xim 1:20)

Dammaqinsa keenya asirratti qabuutu nuuf ta'a. Humni qorumsaa fi amajaajin dhuunfaatti ni jira, garuuu Waaqayyo tokkichis ni jira, kanaafu ilmaan namaa filannoosaaf ofiin ittigaafatamoodha. Fayyinaan duraa fi boodas lolli afuuraa ni jiraata. Injifannoon karaa sadacha Waaqayyo qofaan nuuf dhufa. Amajaajiin injifatamee, duguggameera.

▣ **"ayyaanni Gooftaa keenya Yesuus isin wajjiin haa ta'u"** kun cufinsa Phaawuloos baramedha. (1Qor 16:23; 2Qor 13:14; Gal 6:18; Filp 4:23; Qol 4:18; 1Tas 5:28; 2Tas 3:18 fi Mul 22:21) Feetu harkumasaan barreeffame ta'a. Karaa itti ergaasaa ibsudha (2Tas 3:17; 1Qor 16:21; Qol 4:18)

**16:21**
**[21]Ximotewos hidhati koo akkasumas immoo Yihudoonni akka kootii Luukiyosii fi Yaason, Sosiiphaaxrosis nagaa isiniif dhaamu.**

**16:21-23** Lakkoofsi kunneen ergaan boodadha. Gargaartonni Phaawuloos Qoronxoos jiran nagoomiisaanii ergatan.

**16:21 "Luukiyosii"** kun (1) Luqaas isa hakimaa (Qol 4:14) ykn akka dubbii nama beekaaf darbatame ta'a (2) Luukiyoosi biyya Qareenee (HoE 13:1) ykn (3) kiristaana hin beekamnee ta'e mla.

▣ **"yaasoon"** kun isa Tasaloonqeetti (HoE 17:5-9) Phaawuloos manasaa ture ta'uu ni danda'a.
▣ **"sosiiphaaxrosis"** kun nama Beriyaa Sophaaxros jedhame (HoE 20:4) keessa jiru ta'uu ni mala.

**16:22**
**[22]Ani Xerxiwos ergaa kana caafuu isaa kanan gargaare, nagaa isin nan gaafadha.**

**16:22 "Ani Xerxiwoos ergaa kana caafuu isaa kana gargaare"** Phaawuloos ergaasaa barreessuuf nama gargalchuuf (*amanvensis*) fayyadama (1Qor 16:21; Gal 6:11; Qol 4:18; 2Tas 3:17). Akkanni ani yaadutti Phaawuloos rakkina ijaa ni qaba. Kanaaf qaqallisee waraqaa paapiras irratti akka iddoo hin fudhanneetti barreessuu hin danda'u ykn maraa gogaa bara samiirratti (Gal 6:18)

**16:23-24**
**[23]Gaayos, inni nuyi, namoota waldaa kristiyaanaa kanaa hundumaas mana isaatti simate, nagaa isiniif erga; Erasxos inni horii mandarichaa baatu, obboleessi keenya Ku'arxosis nagaa isiniif dhaamu. [24 Ayyaanni gooftaa keenyaa Yesus Kristos hunduma keessanii wajjin haa ta'u! Ameen!]**

**16:23 "Gaayos"** kun (1) Gaayoos Tiitoos HoE 18:7 (2) Gaayoos Darbe (HoE 19:29; 20:4; 1Qor 1:14); ykn (3) Gaayoos 3Yoh lak 1 ta'uu ni mala.

▣ **"Inni ana fi waldaa kiristaayaanaa manasaatti simate"** kun keessummeessummaa waldaa keessatti barbaachisudha. Gariin akkuma nama kanaa, manasaa iddo walgeettif banuu qaba. Waldaaleen manaa waggoota dhibbaa oliif aadaa ture. Mata duree addaa : Waldaa (Ekklesia) 16:1dha.

▣ **"Erasxos, inni horii mandarichaa baatu,"** HoE 19:22, 2Xim 4:20 keessattis xuqameera. Hojii wangeelaa imalaa Phaawuloos waliin walqabate ni qaba.

▣ **"Ku'arxosis"** maqaan kun laatiniin "afuraffaa" jechudha. Obboleessa Xarxeeysi ta'a isa laatinii sadafaa jedhu (lak 22)

**16:24** lakkoofsi kun barruu Giriikii durii p46, 61, X, A, B, C fi 0150 keessa hin jiru. Barruu Giriika muraasa keessatti 16:23 boodaa fi 16:27 booda ni jira. Phaawuloos wajjin ka'umsa miti. KQSAH, KQSHH, TIV fi NKQJ keessas hambifameera. YBS4 hambisuusaa "mirkansa" (A) kaa'eera. Xumura ergaa fi rakkoo eebba xumuraa boqonnaa 14, 15 fi 16 barruu Giriikota durii keessatti argamu irrattidha.

**16:25-27**
**[25]Waaqayyo akka wangeela kootti, akka isa ittiin Yesus Kristos lallabameetti, akka mul'achuu dhoksaa isa bara duriitii jalqabee hin dubbatamin tureettis, amantiitti isin jabeessuu ni danda'a. [26]Amma garuu dhoksaan kun ifatti ba'eera; akka Waaqayyo inni bara baraan jiraatu ajajettis, gara amantiitti, gara abboomamuuttis isaan geessuudhaaf caaffata raajotaatiin saba hundumaatti beeksifameera. [27]Karaa Yesus Kristos Waaqayyo isa ogeessa tokkichaaf hooqubaan bara baraan haa ta'u! Ameen!**

**16:25-27** Kun akka Giriikitti hima tokko. Eebbi xumura akka kanaa boqonnaa 14 fi 15 xumura irratti argamu. Yaadni kun qabiyyee ijoo kitaabichaa harka Phaawuloosin barreeffamedha.

Gariin eebbi xumuraa kun

1. Haguuggii xalayaa ergaa marroo Efesoon
2. Warra daandii Roomaa irraaf sababa
   a. Phaawuloos Rooma hanga ammaa hin daawwanne garuuu namoota digdamii jaha harka fudha.
   b. Boqonnaan 16 barsiisoota sobaa tuqusaa
   c. Eebbi xumuraa kun barruu Giriik keessatti iddoo hedduutti mul'ateera.

Phaawuloos garagaalcha lama, boqonnaa 1-14 gara Roomaa tti boqonnaa 1-16ti gara Efesoon qopheesse jechuu ni danda'ama. Mirkansi kunis deebi kan argatu (1) hojjettoonni kiristaanaa ganamaa baayyonni kun imaluunsaanii haqa (2) barruun Giriik ergaa Roomaa kamuu boqonnaa 16 ala akka hin taane haqa fi (3) carraan barsiisoota sobaa 14:1-15:13 keessatti dabalamuudha.

16:25 "isa ittiin … isin" kunis maqaa Waaqayyoo bareedaa Kakuu Haaraa keessatti si'a sadii mul'atedha. (Efs 3:20, Yud 24)

Akkamitti Waaqayyo amantoota akka dandeechisu hubadhaa

1. Wangeela Phaawuloos
2. Lallaba waa'ee Yesuus Kiristoos

3. Karoora fayyina Waaqayyoo iccitiin qabamee ture ifa bahuu hubadhaa. Amantoonni beekkomsa wangeelaan isaani danda'ame. Wangeelli kun amma hundaaf mul'ate.

▣ **"Dhoksaa isaa"** Waaqayyo akeeka cubbutti dhiquu kufaatiin dura qaba ture. (Uma 3) Fiixeen karoora kanaa Kakuu Moofaa keessatti mul'ate (Uma 3:15; 12:3; Ba'u 19:5-6 fi barruu raajootaa waliigala) Haa ta'uuti guutumaan ajandichaa ifa hin turre (1Qor 2:6-8) Dhufaatii Yesuusii fi afuuraan caalaatti beekkamaa dhufe. Phaawuloos jecha "icciitii" jedhu waan kana guutuu ittin ibsuu barbaadeeti (1Qor 4:1, Efs 2:11-3:13; 6:19; Qol 4:3; 1Xim 1:9) Haa ta'u miira gargariin hedduun fayadameera.

1. Israa'eloota garii hadoochuun Ormoota dabalateera. Daballi Ormootaa kun akka toftaa ittin yihudoota Yesuus, Kiristoos isa raajame ta'uu fudhatan ittin hojjetamedha (Rom 11:25-32)
2. Wangeelli akka biyyatti beekkamu ta'e, hundi karaa Kiristoosii fi kiristoosiin dabalame (Rom 16:25-27; Qol 2:2)
3. Dhufaatii lamatatti gama haarawaa amantootaa (1Qor 15:5-57, 1Tas 4:13-18)
4. Wanti hundi Kiristoosin walitti ida'amuu (Efs 1:8-11)
5. Ormoomnii fi yihudoonni dhaaltoota ta'uu (Efs 2:11-3:13)
6. Walitti dhufeenyi cimaa kiristoosii fi waldaa bifa gaayilaan ibsamuu (Efs 5:22-33)
7. Omroonni saba kakuutti dabalamuu fi afuuraa Kiristoosin cuubamuun akka fakkeenya Kiristoositti guddatanii fakkeenya Waaqayyo deebisani kufaatii namaa keessa dhaabaniifi. (Uma 6-5, 11-13; 8:21) Waaqayyo nama keessa (Uma 1:26-27; 5:1; 9:6; Qol 1:26-28)
8. Xumura irratti farra Kiristoos (2Tas 2:1-11)
9. Iccitiin gulaalaa waldaa ganamaa (Xim 1:16 keessatti argama.

**16:26 "amma … ifatti baheer"** icciitiin ykn karoorri Waaqayyo amam ifatti nama hundatti mul'ateera. Wangeela yesuus Kiristoosidha (Efs 2:11-3:13)

▣ **"caaffata"** Waaqayyo iccitii kana namootaa fi hojii Yesuusin dhugoomseera. Kun moo raajoota Kakuu Moofaa dubbatameera. Bu'uura'uun waldaa Kakuu Haaraa amantoota yihudaa fi Ormootaa yoo mara karoora Waaqayyoo ture (Uma 3:15; 12:3; Ba'u 19:5-6; Erm 31:31-34)

▣ "Waaqayyo inni bara baraa" mata duree aanee jiru ilaalaa.

MATA DUREE ADDAA : BARA BARA

Robart B. Girdilstoon kitaaba isaa Synonyms of the Old Testament, keessatti jecha "bara baraa" irratti ibsa kenneera.

"Ibsitu aionios Kakuu Haaraa keessatti si'a 40 ol kabajaa jireenya barabaraa waliin tuqameera, akka kenna yeroo ammaa fi abdii eegereetti. Argama Waaqayyoo daangaa malee agarsiisuufis ooleera. Rome 16:26 keessatti, bu'aa du'a Kiristoos xumura hin qabne Ibr 9:12; 13:20; fi bara dabre Rom 16:25, 2Xim 1, 9, Tito 1, 2.

Jechi kun abdidda barabara birqabameelle ni ilaallama Matt 18:3, 25, 41, Yih 7, adaba barabaraa Matt 25:46; murtii barabaraa ykn balaaleffannoo Marq 3:29, Ibr 6:2, badinsa barabaraa, 2Tas 1:9, Jechichi dubbisa kana keessatti xumura agarsiisa. Addatti moo yeroo itti waan kun raawwatu agarsiisa. Yeroo qorumsa dandeetti, jijjiirama, ykn carraa egeree ittin kaasan, darbee sokkuusa agarsiisa. Waa'ee fulduraa keenya namaa fi argamaa, waa'ee ulfina naamuusaa alamantii ifa barabaraa keessaan ilaallametti yoo, gama tokkon sagalee Waaqayyootti dabaluun dogoggora ta'e irraa adaba bara bara akka barreeffame jirutti fudhannu ta'e qabiyyeesaa eeguu qabna. Wangeela jaalala Waaqayyo karaa Kiristoos irraa utuu gargar hin bahiin, garuuu dudduubbeen nuyi hin beekiin hafan jiraachu amanaa (ful 318-319)

▣ **"saba hundumatti beeksifameera"** Hima Giriik keessatti xumurara kaa'ameera. Afeerraa wangeelaa Waaqayyo addunyaa maraaf dhiyeesse akeeka isaati. (Uma 3:15)

▣

| | |
|---|---|
| **KQSAH** | **"gara abbootamamuuttis isaan geessuudhaaf"** |
| **KJHH** | **"abboomamuun gara amantiitti"** |
| **TIV** | **"gara abboomamuu amantiitti isaan geessuuf** |
| **KQJ** | **"gara abboommii amantiitti isaan fiduuf** |

Kara itti gaalee kana hubatan hedduutu jira. Feetu (1) waa'ee doktiriina Kiristoos; (2) Kiristoositti amanuu ykn (3) ka'umsaa fi itti fufinsaan waneelaaf ajajamuu. Abboomamuun akka xinamantiitti yaada dhiifama cubbuu fi amantiin wajjin wal makuu qaba (Marq 1:15, HoE 3:16, 19; 20:21)

16:17 "Waaqayyo isa ogeessa tokkichaaf" kun itti eera tokkichummaa (Deb 6:4-5) ti kiristaanummaan Waaqayyoo tokkicha qofa qaba. Akkuma Yihudizim, ayyaanni Kiristoos guutuu fi qaamni afuura qulqulluu "sadachatti" nu geessa.

▣ **"Hooqubaan barabaraa"** yaadanno 3:23 ilaalaa

▣ **"Ameen"** mata duree addaa 1:25 ilaalaa

**GAAFFIILEE MARII**

Kun qajeelcha qo'annoo ibsituuti. Jechuunis hiikkaa Kitaaba Quqlulluu keetiif ittigaafatamoodha. Hundi keenya ifa qabnu keessa socho'uu qabna. Ati, Kitaabni Qululluu fi afuurri Quqlulluun hiikkaa keessatti dursa qabdu. Kana moo ibsaa wajjin walitti laaquu hin qabdan.
Gaaffileen marii kunneen dhimmoota ijoo kutaa kanaa irratti akka itti xiyyeeffattuuf akka si gargaarani kan dhiyaatanidha. Ilaalcha daddammaqsuuf, malee hiikkaaf miti.

*Akkamitti Phaawuloos namoota waldaa Roomaa keessa jiran beekuu danda'ee yeroo achi gahee hin beeknetti?*

1. Ragaaan diyaaqonoota dubartootaa Kitaaba Quqlulluu keessa ni jiraata (16:1, 1Xim 3:11; 5:3-16)
2. Faayidaan dubartoota as keessatti tarreeffamanii maal ta'innaa?
3. Toftaa fi ergaa barsiisoota sobaa ibsaa (lak 17-18)

# HAFAA TOKKOFFAA

### Ibsaa ifaa jechoota seerluga Griikii

Ibsa bal'aa jechoota seerluga Giriikii Konee Giriik, Helenstiik Giriik jechuun beekamu, bara injifannoo Aleksaander Ze gireet (336-323 D.K) qabee hanga waggaa dhibba saddeti (300 D.K-D.B 500)ti afaan biyyoota naannoo galaana Meeditaraaniyaana ture. Afaan Giriik isa salphaa osoo hin taanee, afaan Giriik bifa haaraa ka'ee afaan lammataa addunyaa Meeditaraaniyaanaa fib aha dhiyoo ta'eti.

Kakuu Harawaa addadha sababnis itti fayyadamtoonni Luqaasin barreessaa Ibrootaan alatti, hundi afaan Aramaanaa akka jalqabaatti fayyadamu. Kanaaf barruunsaanii akka dubbii fi caasaa afaan Aramaan cunqurfama isaanumtu moo Septuagint (hiikkaa Kakuu Moofaa Giriik) afaan giriik barreeffame waan dubbisaniif ni waraabbatu ture. Garuu Septuagint hayyoota yihudaan afaan dhaloota Giriik hin qabneen barreeffame.

Kunis Kakuu Harawaa gara caasaa Seerlugaatti akka nutti cimsinee hin dhiibne nu yaadachiisa. Adda ta'ees wanni inni qixxeetti qabu (1) Septuagint (2) barruu yihudootaa kan akka Yoseef; fi (3) Paapirasa Misiritti argameedha. Eegasuu akkamitti xinxala Kakuu Haarawaati dhiyaachuun danda'amaa?

Haalli seerluga konini Giriikaa fi Kakuu haarawaa koyiha Giriikii dhagalaasadha. Yerichi yeroo seerluga salphisan ture. Yaadatu nu hoggana. Jechoonni yaada dheeraa keessatti hiikkaa argatu, kanaaf, seerrilugni kan hubatamu ifaa (1) biddiqa barreessa adda fi (2) yaada adda keessattidha. Hiikkaan xumuraa caasaa fi bifa Giriik tokkoyyu hin danda'amu.

Afaan koyine Giriik afaan dubbiiti. Ijoon hiikkaadhaa gosaa fi bifa dubbiiti. Gaalee heddu keessatti gochimni dursee dhufeeti, caalmaasaa agarsiisa. Gochima Giriik xinxaluuf odeeffannoon maddee sadii hubatamu qaban (1) xiyyeeffannoon henna, sagalee fi muudii (ta'insa ykn mortoolojii); (2) hiikkaa bu'uuraa gochimaa (lexicography) fi (3) dhangalaasa yaadaa (syntax)

I. HENNAA
   A. Hennaa ykn haalli walitti dhufeenya gochimaa sadarkaa gocha guutuu ykn hin guunneeti ilaala.
      1. Hennaa sirraa'aa mudata gocha irratti xiyyeeffata. Odeeffanno dabalataa hin kennu. Egalli, itti fufinsii ykn fiixee hin beekkamu.
      2. Hennaan hin sirraaiin itti fufinsa gochaa irratti xiyyeeffata gocha cinaa, gocha turti, gochi tarkaanfii jechuun ibsamuu ni danda'a.
   B. Hennaan akkaataa barreessaan gochoota ittin ilaaluun kurfeessuun ni danda'ama
      1. ta'eera = AORIST
      2. ta'eera fi jiraa = PERFECT
      3. ta'ee ture fi jiraa, garuu amma miti = PLUPERFECT
      4. ta'aatti jira = PRESENT
      5. ta'eetti jira = IMPERFECT
      6. ta'uutti jira = FUTURE

Fakkeenyi qabatamaa akkatti hennaan kun hiikkaa keessatti fayyadu kan agarsiisu jecha "fayyina" jedhudha Henna gara garaa keessatti deemsaa fi fixee agarsiisa.
      1. AORIST – "fayyeera" (Rom 8:24)
      2. PERFECT – "fayyeera fi fayyuutti jiraa" (Efs 2:5-8)
      3. PRESENT – "fayyaatti jira" (1Qor 1:18; 15:2)
      4. FUTURE – "fayyaatti jira" (Rom 5:9, 10; 10:9)
   C. Hennaa gochimarratti xiyyeeffachuun hiiktooni sababa filannoo barreessan ittin of ibsuu barbaade kaa'u. Sadarkaan henna "maxxarri hin qabne" AORIST dha. Gochima idilee "hin addoomne" in mallattoomne" ykn "hin tuqamne"dha. Bifa hedduun faayidaa kennuu ni danda'a. Wanni tokkoo ta'uusaa qofa kaa'a. Haalli darbe muudii agarsiisaa keessatti qofa yaalama. Yoo hennaan kan biroo kan fayyadu jiraata, wanni addaa ta'eef xiyyeeffannoon kennama. Garuu maal?
      1. Hennaa sirraa'aa kun gocha xumuramee bu'aa amma waliin jiru kan agarsiisudha. Karaa ta'een moo walmakoo AORIST fi HENNAA AMMAAti. Xiyyeen bu'aa jiraa sanidha ykn xumura gochichaati. Fkn Efs 2:5 fi 8, "fayyiteeta, fayyinni kees itti fufeera"
      2. PLUPERFECT HENNAA TENSE
         Sirraa'aa ta'eeti bu'aan garuu dhaabbateera. Fkn "Pheexroos ala balbalarra dhaabbatee ture" (Yoh 18:16)

3. HENNA AMMAA (PRESENT TENSE) Kuni gochaa hin sirraa'iin ykn hin xumuramiin dubbata. Xiyyeeffanni itti fufinsa ta'aati. Fkn "kan isaan qabame cubbamuutti hin fufu" "Eenyullee isaan dhalate cubbamuutti hin fufu (1Yoh 3:6 fi)
4. HENNAA HINSIRRAA'IIN (IMPERFECT TENSE) walitti dhufeenyi henna jiru moggoyina sababaan adda bahudha. Hin sirraa'iin kan dubbatu gocha hin xumuramne ture amma garuu dhaabbate ykn jalqabnisa darbeerudha. Fkn: "Yeruusaalem hundi garasaa dhufaa turani" ykn "Yeruusaalemoonni cufti garasaa dhaqaa turan" (Matt 3:5)
5. HENNAA TA'ATU (FUTURE TENSE) kun gocha fulduratti ta'uuf yeroo qabatee jirudha. Kan xiyyeeffatu moo gocha ta'uuf jiru irratti odoo hin taane humna ta'iinsa irrattidha. Mirkana ta'iicha haasa'a. Fkn "Warrii eebbifaman … ni …" (Matt 5:4-9)

II. SAGALEE

A. Sagaleen walitti dhufeenya gocha gochimaa fi abhimaa gidduu jiru ibsa.
B. Sagaleen si'ayina, abbaan himaa gocha gochimaan hojjetuu kan mirkansu karaa idilee, eeggamaa fi cicha hin qabnedha.
C. Sagaleen al si'ayinaa jechuun ab himaa gocha gochima nama alaan hojjetame yeroo fudhatudha. Namni alaa gocha kana godhu Kakuu Harawaa keessatti kan tuqame yoo ta'u durgala fi sababa armaan gadiini.
   1. bak bu'aa kallatti dhuunfaa hupo, sababa ABLATIVE wajjiin (Matt 1:22; HoE 22:30)
   2. bak bu'aa giddu deemaa dhuunfaa dia sababa ABLATIVE wajjin (Matt 1:22)
   3. bak bu'aa namaa ala eru sababa meeshaalee wajjin
   4. yeroo garii bak bu'aa nama ykn namaa ala ta'a sababa meeshaalee qofaan.
D. Sagalee gidduu jechuun abi himaa gocha gochimaa hoomishun darbees irratti hirmaachuun beekkama. Fedhi dhuunfaa alfagoo jedhame yaamama. Ijaarsi kun ab himaa ykn ab hirkatoo(clause) muldhisa. Ijaarsi akkanaa Infiliffa keessa hin jiru. Giriik keessatti carraa hiikkaa fi jijjiirraa bal'oo qaba. Fknaaf

1. (REFLEXIVE) – gocha kallattiin abbaan ofirratti godhu fin "of fannies" (Matt 27:5)
2. (INTENSIVE) – ab himaa gocha ofii jedhe uume. Fkn "seeyxanni ofiisaa akka ergama abbaa ifaatti of fakkeesse of dhiyeesse) 2Qor 11:14)
3. Gargalcha (PRECPROCAL) – haasawa walii ab himaa lameen gidduu fkn "walii walii agarsani (Matt 26:4)

III. MUUDII (ykn MODE)

A. Koniye Giriik keessatti moodii afurtu jira. Walitti dhufeenya gochimni dhugaa jirutti qaba agarsiisu, yoo xiqaate sammu barreessaa keessatti. Muudiin ramaddi guddaa lamatti qooddamu: isa dhugaa agarsiisu (AGARSIISAA) fi isa humna ta'insa agarsiisu (SUBJUNCTIVE, IMPERATVE, fi OPTATIVE)
B. Muudiin AGARSIISAA muudii qixaa gocha ta'ee jiru kan agarsiisudha. Ykn yoo xiqqaate yaada barreessaa keessati ta'aa jiru kan agarsiisudha. Muudii Giriik qofatu yeroo sirrii agarsiisa, inni kun ykn sadarkaa lammataati.
C. Muddiin (subjunctive mood) gocha fulduratti feetu ta'uu danda'u ibsa. Hanga ammaa waan hin taane garuu moo ta'uudhaaf kan carraa qabudha. Agarsiisa (Inductive mood) wajjin walfakkeenya ni qaba. Garaagarten jiru (subjucive) shakki hanga tokko waan qabudha. Afaan Ingiliffaa keessatti isaan kun jechoota akka "could" "would" "may" ykn "might" jedhuun ibsama.
D. Muudi (OPTATIVE MOOD) kun fedhii manaamaan ta'uu danda'u kan ibsudha. (subjunctive) caala dhugaarraa sadarkaa tokko fagaata. (Optative) ta'u danda'uu kana hala amuraasa jala kaa'a.

(optaive) Kakuu Haarawaa keessatti baayye xiqqoodha. Itti fayyadamnisaas gaalee jecha Phaawuloos "gonkumaa ta'uu hin danda'u) jedhu yeroo kudha shan itti gargaaramedha. (Rom 3:4, 6, 31; 6:2, 15; 7:7, 13; 9:14; 11:1; 1Qor 6:15; Gal 2:17; 3:21; 6:14). Fkn biro͏oon Tas 1:38; 20:16, HoE 8:20, fi 1Tas 3:11 keessattidha.

E. Muudii (IMPERATIVE Mood) Fedha isa dubbatu irratti hunda'auun ajaja godhamuu danda'uu kan cimsudha. Filannoo Ormaa irratti hundaa'eet gocha qofa mirkaneessa. Kadhataa fi gaaffii nama sadaffaa keessatti itti fayyadama (imperative) addaatu jira. Ajajni kunis henna (Aorist) fi ammaa (present) Kakuu Haarawaa keessatti qofa argama.
F. Seerlugni garii (participle) akka garee muudii tokkootti ni ilaalu. Kakuu Harawaa Giriik keessatti beekkamaadha akka (verbal adjuctive) ti fudhatamas. Gochima itti jiran wajjin walitti fudhamaniitu hiikkamu. Karaa hedduudhaan isaan hiikuunis ni danda'ama. Hiikka afaan Ingiliffaa hedduu ilaalunis gaariidhaa. Tahe bible ni Twenty Six Translation jedhu Bakeerin bareeffame asitti ni gargaara.

G. Aorist active indicative wanna ta'e tokko homaa utuu itti hin dabaliin qixumaan karaa itti galmaa'udha. Hennaan biroo, sagaleen wanna barreessichu dubbisuu barbaadu ibsa addaa qabu.

IV. Name afaan Giriik wajjiin wal hin beekneef gargaartuun qo'annoo itti aanee jiru odeeffanno barbaachisaa ni eknnaaf

A. Firberg, Baarbaaraa fi Ximooty, Analayitical Giriik New Testament, Grand Rapid: Baker 1988
B. Marshall, Alfred, Interlinear Greek-English New Testament, Grand Rapids: Zondervan, 1976
C. Mounce, William D. The Analytical Lexicon to the Greek New Testament. Grand Rapids: Zondervan 1993
D. Summers, Ray Essentials of New Testament Greek, Nashville: Broad man 1950
E. Barnoonni halaalaa fudhatamoo qabu kan afaan Giriikii Dhaabbata Moody Bible Institute jedhu Chikaagooti argachuun ni danda'ama.

V. MAQOONNI

A. Maqoonni akk sababaan qooddamu. Sababni moo gosa maqaa walitti dhufeenya gochimaa fi qaama himaa hafetti qabu kan agarsiisudha. Afaan koyinee Giriik keessatti faayidaan sababa kanaa durgaaleen ibsamu. Egaa gosti sababaa kun walitti dhufeenya gara garaa agarsiisuu danda'ani, durgaalli kunneen faayidaa kanatti addaan baatee ifa ta'e ni agarsiisu.

B. Sababaan Giriik garee saddeet itti aanee jiruutti qooddamu

1. Sababa (Nominative case) maqaa baasuuf kan fayyadu ta'eet abbaa himaa ykn abbaa dha. Darbe maqaa predicate nouns fi "to be" ykn "become" wajjin hojjeta.
2. Sababa (Genitive case) ibse kennuuf fayyada ykn jechicha irratti sadarkaa qulqullinaa kennuun ni firoomsa. Gaaffii "gosa kam?" jedhuuf deebii ni kenna. Yeroo baayyee durgaale afaan Ingiliffaa "of" jedhuun ibsama.
3. Sababa (ablative case) bifuma (gentive) ta'eeti, garuu addaan bahiinsa agarsiisa. Kunis addaan bahinsa waan ta'ee yeroodhaan, iddoodhaan, maddaan, uumamaaan, ykn sadarkaadhaan. Durgaala afaan Ingiliffaa "from" jedhuun ibsama.
4. Sababa (dative case) fedhii dhuunfaa agarsiisuuf fayyada. Kun haala gaarii ykn bitaa agarsiisu danda'a. Kun waan harka naannessaan godhamedha. Dugraala afaan Giriik "to" beekkama.
5. Sababa (locative case) Bifuma (dative case) Bifuma 9dative) dha. Sadarkaa ykn iddoo Yeroodhaan iddoodhaan, daanya sirriin agarsiisa. Durgala afaan Ingiliffaa "in, on, at, among, during, by, upon, fi beside" jedhaniin ibsama.
6. Sababa (instrumental case) Bifuma (dative) fi (locative) dha. Fala ykn hidhata kan agarsiisudha. Durgala afaan Ingiliffaa "by" "with" ibsama.
7. Sababa (accusative case) xumura gochaa agarsiisuuf fayyada. Daangeeffamas ni agarsiisa. Faayidaansaa guddaan wanna kallattiin ta'edha. Gaaffii "akkamitti" ykn "hanga kamitti?" jedhuuf deebii ni kenna.
8. Sababa (vocative case) kallattiin gahuu agarsiisa.

VI. Walitti Gudunfituu fi Qabsiisee

A. Afaan Giriik sababa gudunfituu hedduu qabuuf afaan murteessaadha. Ilaalcha ( hima fi buufata ) gudunfu. Hafuunsaanii barbaachisummaasaanii godhe fi kallatti ilaalcha barreessaa wanna inni qunnamu barbaadu murteessuuf barbaachisoodha.
B. Amma asitti hiikkaan walittiqabsiiftuu fi walitti guduunfituu tarreeffameera (odeeffannoon kun kitaaba Amanual Grammar of the Greek New Testament jedhu, H.E.Daanaa fi Julins K. Maanteyesin barreeffame irraati.

1. Gudunfituu yeroo
   a. epei, epeide, hopote, hos, hote, hotan (subj) – "yoom"
   b. hoes – "wayita"
   c. hotan, epan (dhim) – "yoomiyyuu"
   d. hoes, achri, mechri 9dhin) – "hanga"
   e. priv (infin) – "dura
   f. hos – "egaa" "yoom" "akka"
2. Gudunfituu amansiistuu(logical)
   a. akeeka
      (1) *hina* (dhim), hopos (dhima), hos – 'sun akka ta'uuf' "sun"
      (2) *hoste* (articular accusative infinitive) "sun"

(3) *pros* ( articular accusative infinitive, kan dhuma hin qabne ) ykn eis articular accusative infinitive "sun"

b. firii (bifa seerluga akeekaa fi firii giddii walitti, dhiyeenyi jira
 (1) hima (hin lakka'amu, beekkama) – "akka sanitti" "kanaaf"
 (2) hima (dhim) – "sanaafu"
 (3) *ara* – "egaahoo"

c. Sababa
 (1) *gar* (sababa/ firii ykn sababa/xumura) – "fi" "sababa"
 (2) *dioti*, hotiy – "sabab"
 (3) *epei*, epeide, hos – "eega"
 (4) *dia* (accusative wajjin) fi (articular dhuma hin qabne wajjiin) "sababa"

d. goolabbii
 (1) *era*, poinun, hoste – "kanaafuu"
 (2) *dio* (waliingaa goolabbi jabaa) "kanarratti" "eessarratti" "kanaafu"
 (3) *oun* – "Kanaafuu" "egaa" "achii" "itti aanee"
 (4) *tanoun* – "akka kanatti"

e. faallina ykn fuggina
 (1) *alla* (faallina jabaa) – "garuu" "malee"
 (2) *de* – "garuu "haata'uti" "ammalle" "gama biraan"
 (3) *kai* – "garuu"
 (4) *mentoi*, *oun* – "haa ta'utii"
 (5) *plen* – "yoo kan malee" (keessattu Luqaas keessatti
 (6) *oun* – "haa ta'uuti"

f. morkii
 (1) hos, kattios (gaalima morkii beeksisu)
 (2) kata (jech tishoo, katto, kathoti, kathosper, kathaper
 (3) *hosos* (Ibroota keessa)
 (4) *e* – "achii"

g. fulla'iina ykn fufina
 (1) *de* – "fi" "amma"
 (2) *kai* – "fi"
 (3) *tei* – "fi
 (4) *hina*, oun – "sun"
 (5) *oun* – "achi" (yohaannis keessatti)

3. fayyadama xiyyeeffannoo
 a. *alla* –
 b. *ara* – "dhugaati"
 c. *gar* – "garu dhugaati," dhugaatti
 d. *de* – "dhugaatti"
 e. *ean* – yoo dhibe
 f. *kai* – "yoo dhibe" "dhugaati" "dhugumati"
 g. *mentoi* – "dhugaatti"
 h. *oun* – "dhugumatti" 'waan hundatti"

VII. Hima Haalaa

A. Hima haalaa jechuun gaalima hirkataa tokkoo fi tokkoon ol kan qabatedha. Caasni seerluga kanaa hiikkaa ni gargaara. Sababnisaas haala, sababa ykn ka'umsa gochaa gochimaa itti ta'uu fi ta'uu dhabuu ni agarsiisa. Gosti haallimaa afuurtu jira. Dhugaa kallatti barreessichaan jiru irraa gara hawwitti jiru qofatti dhiibee geessa.

B. Haallima sadarkaa duraa gocha ibsame ykn gama barreessaan dhugaadha jedhame tilmaamamu ykn akeeka isaaf "yoo" dhaan ibsama. Qabiyye heddu keessatti "eega" jedhame hiikkama (Matt 4:3; Rom 8:31) Haa ta'uuti, kun jechuun sadarkaan duraa gara dhuugaatti jiru jechu miti. Irra deddeebia'nii qabxii agarsiisuuf ykn faallaa tuqatuuf fayyadu (Matt 12:27)

C. Haallima sadarkaa lammata "dhugaatti fuggina" jedhama. Waan dhugaa hin ta'iin agarsiisa. Fkn

1. "yoo dhugumatti inni raajii ta'e, mitiif malee, waa'ee dubartii isatti maxxantee amalaa fi eenyummaa ni beeka ture. Garuu hin beekne." (Tes 7:39)
2. "yoo dhugumatti Muusee amantan, silaa hin gootani, ana amantani, hin goone" (Yoh 5:46)
3. Osoon ammallee namootatti gammachiisuuf yaala ta'ee, hin gooneef malee, tajaajilaa Kiristoos isaan amma ta'e kana hin t'auun ture" (Gal 1:10)

D. Sadarkaan sadaffaa gocha fulduratti ta'uu danda'u ni dubbata. Carraa ta'uu danda'uu tilmaamsa. Waan akka carraatti ta'e agarsiisa. Gochi gochima muummee gaallima "yoo" keessatti gochichaaf carraa ta'a. Fkn 1Yoh keessaa 1:6-10, 2:4, 6, 9, 15, 20, 21, 24, 29, 3:21; 4:20; 5:14, 16

E. Sadarkaan afraffaa carraa ta'uu danda'uu irra haqamaadha. Kakuu Haarawaa keessatti ni xiqqaata. Akka carraa ta'ee, Haallimni sadarkaa afraffaa guutuun haalli itti lameen qaamni himaa hiika kennan hin jiru. Fkn sadarkaa afraffaa gaallima baniinsaa 1Phex 3:14ti. Fkn sadarkaa afraffaa gadima xumuraa HoE 8:31.

VIII. DHORKAA

A. Present imperative meparticli gocha ta'aa jiru dhaabuuf xiyyeeffanno godha. Fkn "duurooma lafarratti kuufachuu hin yaaliinaa…" (Matt 6:19) "waa'ee jireenya keesanii yaaduu dhaabaa…" (Matt 6:13) "Nafa qaama keessanii meeshaa cubbuu gootanii dabarsitanii hin kenninaa…" Rom 6;13" Afuura Qulqulluu Waaqayyo hin arrabsinaa…" (Efs 4:30) "dhuganii machaahu dhaabaa…" (5:18)

B. Aorist subjunctive imperative meparticle wajjin moo "gochuu hin eegalin ykn hin jalqabin" kan jedhu qaba. Fkn muraasni "Tilmaamu hin eegaliin…" (Matt 5:17) "hin shakkinaa… (6:31) "hin qanaaftani… (2Xim 1:8)

C. Double negative moodii subjunctive wajjin bitaatadha "gonkuma, yomumaa" ykn "haaluma kamiinuu" fkn "bara baraan hin du'u" (Yoh 8:51) "matuma ani" (1Qor 8:13)

IX. Maqmaxxan

A. Afaan kooyinu Giriik keessatti maqmaxxan murtaa'aa "the" faayida afaan Ingiliffaan walfakkaatu qaba. Faayidaan guddaa "agarsiisumma" gara jechaa, maqaa ykn gaalee ni qaba. Kakuu Haarawaa keessatti tajaajillisaa abbaarraa abbaati gargaridha. Maqmaxxan murta'o dabale kan fayyadu.
   1. akka meeshaa fugginaa akka maqdhaal eertuu.
   2. matiima ykn nama dursee beeksifame akka mallattooti agarsiisu
   3. matiima hima keessa jiru gochima karaatti adda baasanidha. Fkn Waaqayyo afuuradha" (Yoh 4:24) "Waaqayyo ifadha" 1Yoh 1:5 "Waaqayyo jaalaladha." 4:8,16.

B. Afaan kooyinee Giriik akka afaan Ingiliffaa maqmaxxan 'a" fi "an" hin qabu. Dhabamuun maqmaxxan jechuun
   1. Xiyyeeffanno amala ykn sadarkaa waan ta'e
   2. xiyyeeffannoo garee waan ta'ee jechuudha.

C. Hanguma fayyadama maqmaxxana barreessitonni Kakuu haarawaa gargari

X. Kakuu Haarawaa Giriik keessatti karaa itti xiyyeeffanno agarsiisan

A. Kakuu Haarawaa keessatti teekinikni ittin xiyyeeffannoo agarsiisan barreessa irra barreessatti gargar. Barreessitoonni qixaa fi idileedhaan Luqaasii fi barreessaa Ibrootaati.

B. Aorist active indicative sadarkaa fi xiyyeeffannoo hin mallatta'in ta'uu dursee ibsameera, garuu hennaan kanuu, sagaleen

Ykn muudiin barbaachisummaa hiikkaa ni qaban. Kun jechuun Aorist active indicative n miira caasluuga barbaachisau keessatti hin fayyadu jechu miti. Fkn Rom 6:10 (si'a lama)

C. Tartii jechaa afaan kooyinee Giriik keessatti
   1. Afaan kooyinee Giriik akka afaan Ingiliffaa hirkataa miti kanaafuu, tartiiba barreessaan waa agarsiisuuf ni jijjiira
      a. waan barreessaan dubbistootatti agarsiisu barbaaduuf
      b. waan barreessichi dubbistoota ni ajaa'ibsiisa jedhe yaade
      c. waan barreessichi hedduu itti dhagahame.
   2. Dhimmii tartiiba jechoota afaan Giriik ammalle hin tasgabbaa'in jira. Haa ta'u kan amma jiru
      a. gochima liqimsaaf
         (1) gochima
         (2) matiima
         (3) complementii
      b. Gochimaaf
         (1) gochima

(2) matiima
(3) aantima
(4) aantimeen
(5) Durgaala gaalee

c. Maqaadhaaf
(1) maqaa
(2) kan haaromsan
(3) durgalee guutoo

3. Tartiibni jechoota qabxii baayyee barbaachisaadha. Fkn
a. "anaa fi Barnaabaasiitti akka duuka buutuutti harka nutti kennatan" (Gal 2:9) Gaaliin "harka mirgaa" duuka buutu jedhu barbaachisummaa agarsiisutti baqaqsuufi dursu ni danda'ama.
b. "Kiristoos wajjin" (Gal 2:20) dura buufameera. Duuti isaa giddu galeessa.
c. "Karaa heddu kuta kutaan ture" (Ibr 1:1) dura buufameera. Sunis akkaataa itti Waaqayyo ofiisaa of agarsiisu barbaade malee mul'ata miti.

D. Akkuma beekkamu xiqqooshee xiyyeeffannoon kenname
1. irra deddeebi'iin maqdhaal inni dursee gochima keessa jiru fkn ani mataan koo, isin wajjin … (Matt 28:20)
2. Dhabama qirqaabaa, ykn jechonni qabsiistu biroo, gaaleen, gaallima ykn himaa dhabamudha. Kun kan hin qabamne jedhama. Wanni walqabsiisu waan eeggamuuf dhabamuunsaa qalbi hawwata. Fkn.
a. warra eebbifamoo (Matt 5:3 xiyye kenneef)
b. Yohaannis 14:1 (mataduree haarawaa)
c. Roomee 9:1 (kutaa haarawaa)
d. 2Qor 12:20 (xiyyee kenneefira)
3. Yaada kenname keessatti irra deddeebi'ii jechootaa fi gaalee fkn "ulfina galatasaaf" (Efs 1:6, 12 fi 14). Gaaleen kun hojii sadacha tokkoon tokkoo agarsiisa.
4. Itti fayyadamni akka dubbii ykn jechaa (sagalee dubbii gidduuti. Shoora taphata.
a. Euphemisis jechuun jechoota safuu akka "ciisee" bakka buusa, du'aa gochuu (Yoh 11:11-14) ykn "miila" qaama dhiiraa (Rut 3:7-8, 1Sam 24:3)
b. Circumlocution immoo jechoota maqaa Waaqayyoo kan akka "Mootummaa Waaqayyoo" (Matt 3:21) ykn "sagalee jannataa" (Matt 3:17) bakka bu'a.
c. Fakk dubbii
(1) jaja hin taane (Matt 3:9, 5:29-30; 19:24)
(2) himootarratti laafaa ta'a. (Matt 3:5; HoE 2:36)
(3) namoomsa (1Qor 15:55)
(4) cigoo (Gal 5:12)
(5) dubbisa walaloo (Fil 2:6-11)
(6) sagalee jechoota giddu taphatu
a. "waldaa"
i. waldaa (Efs 3:21)
ii. yaamicha (Efs 4:1;4)
iii. yaamame (Efs 4:1,4)
b. "walaba"
i. dubartii walaba (Gal 4:31)
ii. bilisumma" Gal 5:1
iii. walaba Gal 5:1
c. Akka dubbii – afaan aadaa ta'ee addumma kan qabu
(1) itti fayyadama fakki "soora" (Yoh 4:31-34)
(2) itti fayyadama fakki "mana sagadaa" Yoh 2:19; Matt 26:61)
(3) akka dubbii Ibrtootaa "jibba" (Uma 29:31; Deb 21:15, Tes 14:36 Yoh 12:25; Rom 9:13)
(4) "Hunda" fi "baayye" Isa 53:6 (hunda) fi 53:11 fi 12 (baayyee) jechoonni moggoyina akka Rom 5:18 fi 19 agarsiisa.
5. Gaalee luugaa guutuu bikka jechaatti fayyadamuu. Fkn "Yesuus Kiristoos gooftaa"
6. Faayidaa addaa autos

a. Yeroo maqmaxxan wajjinii “sanuma” hiikkama
b. Yeroo al maqmaxxan wajjinii akka ti hiikkama “isa mataasaa’ “isii mataasii” ykn “isa mataasa”

E. Bartoonni Kitaaba Qulqulluu afaan Giriikiin ala dubbisan karaa heddu xiyyeeffannoo adda baafachuu ni danda’a.
1. Ittifayyadamani xinxalli galmee jechootaa barruu afaan Giriiki fi afaan Ingiliffaa
2. kallatti tiyoorii hiikkaan, hiikkaa afaan Ingiliffaa walbira qabani ilaaluu. Fkn “jechaa jechatti” morkuu (KJV, NKJV, ASV NASB, RSV, NRSV) fi “gita addaan” wajjin (Wiiliyaam, NIV NEB, REB, JB, NJB, TIV). Asitti kan gargaaru. “The Bible in Twent- six Translation” jedhu Baker maxxanfame heddu ni gargaara.
3. Ittifayyadama “The Emphasized Bible, Yoseef Biriyaant Rooterhaamiin (Kregel, 1994) maxxanfame.
4. Ittifayyadama hiikkaa barreeffamaa
   a. The Ameerikaan Istaandaard Vershiin 1901
   b. Yaangis Litiraal Traansileeshion of Baayible, Roobert Yaangin (Gaardiyaan Pireesin 1976) maxxanfame.

Seerluga qo’achuun nuffisiisa ta’uullee hiikkaaf ni barbaachisa. Ibsi hiikkaan, qeeqnii fi fkn kunneen nama afaan Giriikii ala dubbisuuf jajjabainaa fi hidhachiisaaf akka toluufidha. Ibsi kunneen garmalee salphifamaniiru. Akka hubana tolaa Kakuu Haarawaa ta’utti malee, cichummaa fi garfiixummaa agarsiisu miti. Ibsi kunneen dubbistoonni darbanii ibsaa fi qeeqaa Kakuu Haarawaa biroo ilaaluu akka danda’an akka gargaaru abdiidha.
Hiikkaa keenya odeeffannoo Kitaaba Qulqullu keessa jiru irratti hundee godhachuun ibsuu danda’uu qabna. Seerlugni wantoota nama gargaaran keessaa tokko; wantoonni biroo yoomessa seenaa, yaada barruu, itti fayyadama jechoota fi dubbisa cinaayina dabalata.

# HAFAA LAMMATAA
# QEEQA QABIYYEERRAA

Dhimmi kun yaada qabiyyee ibsituu kan keessa jiru irratti ibsa kenna. Wanna aanee tarreeffame jiru irratti dhimmama.

- I. Madda KITAABA QULQULLUU afaan Ingiliffaa
    - A. Kakuu moofaa
    - B. Kakuu Harawaa
- II. Ibsa ballaa rakkooleefi tiyoorii "qeeqa jalaa" ykn qeeqa qabiyyee" jedhamee yaamamu.
- III. Madda dubbisaa gadfagoo jedhamanii yaadamaniidha.

I. Qabiyyee KITAABA QULQULLUU afaan Ingiliffaa

A. Kakuu Moofaa

1. Barruu Masoreetik (BM) Baruun dubbifamaa afaan Ibrootaa bara 100 DB barsiisa Aquibaan bahe. Achii booda qabxiin dubbachiiftuu, loqodaa, qabxii moggee, Auqaaleeniifi kkf D.B jaarraa jahaaffaa keessa itti dabalamuu eegalan, DB jaarraa saglaffaa keessa xumura argatan. Kunis maatii yihudootaa Masoreetik jedhamaniin hojjetame. Bifti barruu isaan fayyadaman isa Mishnaati, Taalmud, Taargums, Peeshittaafi Kugeet wajjin walfakkaata.
2. Septuagitnt (LXX) Akka afoolaatti Septuagint hayyoota yihudii 70n guyyoota 70 keessatti tolfame jedhama; kunis deggersa mootii pitoolmii 2ta (285-246 KD) jedhamuu mana kitaaba Aleeksaanderiyaaf qophaahe jedhama. Akka hiikamu kana gaafates hogganaa yihudoota Aleeksaandara jiraatuunidha. Afoolli kun "Xalayaa Arizteez" irra dhufe. LXX kun isa barsiisaa Aquibaa (BM) itti fayyadamuun adda kan ta'e barruu Ibroota biro irratti hundaa'e.
3. Maroo Deed sii (MDS) –Maroon Deed sii foxxoqxoota garee yihudaa Roomaa jiraatanii "Eseensi" jedhamanii dhaloota Kiristoos dura (200 Kd – Db 70) barreeffame. Barreeffamoonni Ibrootaa, magaaloota naannoo galaana Deed Sii heddu keessatti ni argamu, lameen BM fi LXX duubatti barruu Ibrootaa addaa akka jiru ni agarsiisu.
4. Fkn muraasni hiiktoonni akka kakuu moofaa walbira qabanii ilaaluu danda'an gargaaraniiru.

    a. LXX hiiktootaafi hayyoota akka BM hubatan gargaara.
        (1) LXXn Isa 52:14 "akka baayyonni itti dinqaman"
        (2) BMn Isa 52:14 "akka hayyoonni sitti gammadan"
        (3) Isa 52:14 keessatti bakmaqaa LXX mirkanaaheera
            a) LXX "sabni baayyeen itti dinqamu"
            b) BM "Saba baayyetti ifa calaqqisa."
    b. MDS hiiktonnii fi hayyoonni akka BM hubatan gargaareera
        (1) MDS Isa 21:8 "Achi raajichi ni iyyee, kaabii dallaa ani irra dhaabadherraa
        (2) BM Isa 21: "ani akka leencaattin bookkise! Gooftaa koo, ani yoo mara saafaadhaan kaabii dallaarra baheen dhaapha.
    c. Lameen LXX fi MDS akka Isa 53:11 ibsuuf gargaaraniiru.
        (1) LXX fi MDS "ciiniinsuu ruhii saan booda ifa ni arga, gammachuus ni quufa."
        (2) BM "ciiniinsuu lubbuusaa… ni arga, ni gammadas"

B. Kakuu Haarawaa

1. Barreeffamni Kakuu Haarawaa afaan Giriik 5,300 ol ta'an guutuutti ykn muraasni ammallee ni jiran. Gara 85 kan ta'u Paapirus irratti barrreeffameera, barreeffamni 268 ni qubee gurgudda (uncials) kan barreeffamaniidha. Booda keessa jaarraa sagalaffaa (D.B) barruun buraaqxuu (minuscule) barreeffamtee baate. Barruun Giriiki gara 2,700 ta'u bifa barreeffamaan jira. Kooppii gara 2,100 kan ta'uu kan yeroo Waaqeffannaaf tajaajilan lekshinaarii jedhaman tarreeffamaan ni jira.
2. Barreeffamni Giriik Paapirus irratti barreeffame Kakuu Haarawaa muraasa qabateeru gara 85 ta'an golwaa durii keessa kaa'amnii jiru. Gariini jarraa lammaffaa D.B kan qaban yoo ta'u irra guddeessi jaarraa sadaffaa fi afraffaa DB ta'uun irra jira. MSS kana keessaa kan guutummaa Kakuu Haarawaa qabateeru hin jiru. Sababa garagalcha moofaa Kakuu haarawaa ta'aniifu garaagarummaa muraasa ni

qabu jechuu miti. Garagalchi baayyeen battaluma tajaajilaaf tolfamani. Of eeggannoon adeemsicha keessatti hin godhamne. Kanaafuu garaagartee heddu ni qabu.

3. Barruun harkaa Sinaatikus, qubee Ibrootaa Xn (alpha) ykn (10)n beekkamu, Tisheendiroofin gadaamii St Kaateriin, tullu Sinaay irra jiru keessatti kaa'ameera. Barrisa jaarraa afraffaa Db yoo ta'u lameen Kakuu Moofaafi Kakuu Harawaa kan LXX qabatee jira. Gosa "barruu Aleksaandiraa" ti.
4. Barruun harkaa Aleeksaandiriinus, akka "A" ykn (02) ti beekkamu, barruu Giriik jaarraa shanaffaa, biyya Misirii Aleeksaandiraatti argama.
5. Barruun harkaa vaatikaans, akka "B"ti ykn (03) ti beekkamu, mana kitaaba Vaatikaan, Roomitti argama. Bara giddu gala jaarraa afraffaa Db qaba. Lamee Kakuu Moofaa fi Kakuu Haarawaa Giriik, isa LXX qabateera. Gosa barruu "Aleeksaandiraa"ti.
6. Barruu harkaa Efreemii, akka "C" ykn (04)ti beekkamu, barruu Giriikii jaarraa shanaffaa yoo ta'u walakkaan badeera.
7. Barruu harkaa Beezaa, akka "D" ykn (05)ti beekkamu, baruu Giriik jaarraa shanaffaa ykn jahaffaati. Bakka bu'aa muummee isa "Western text" jedhamuuti wanna dabalataa hedduu qaba, hiikkaa kingi Jamsiif raga afaan Giriikiiti.
8. Kakuu Harawaa MSS garee sadiiti ykn afur kwarra amala walirraa qooddatanitti hirama.
   a. Barruu Aleeksaandiraa, Misraa irraa
      (1) $P^{75}$, $p^{66}$ (Db 200), wangeela galmeesse qaba
      (2) $P^{46}$ (gara Db 225) ergaa Phaawuloos galmeesse qaba
      (3) $P^{72}$ (gara Db 225-250) ergaa Pheexroosii fi Yihudaa galmeesse qaba
      (4) Barru harkaa B, Vaatikaan jedhamu (gara Db 325) Kakuu Moofaa fi Kakuu Haarawaa qaba
      (5) Barru kanarra Origen waraabe
      (6) Gosa barruu kanaa kan agarsiisu MSS biro X, C, L, W, 33
   b. Barruu warra Dhihaa Afrikaa Kaabaarra
      (1) Waraabbi jaarsolii waldaa Afrikaa Kaabaa, Xeertuliyaa, qoophiroos fi hiikka moofaa Laatinii.
      (2) Waraabbii Iraantoa
      (3) Waraabbii hiikka moofaa Siiriyaa fi Taatiyaa
      (4) Kodeex D "Beezaa" barru kana hordofa.
   c. Barruu Beezaantaayin bahaa, konistaantinoopilirra
      (1) gosti barruu kanaa %80 oli MSSota 5,300 irratti calaqqiseera.
      (2) Abbooti waldaa Antsokiya, Sooriyaan tuqame, kaappadoshiiya kirisoostoom fi Teroodoreef.
      (3) Kodeeksi A. wangeela keessatti qofa.
      (4) Kodeeksi B (jaarraa saddeeti) guutuu Kakuu Harawaaf
   d. Gosti afraffaa "Qeesaariffa" Filisxeema'rraa
      (1) dursee Maarqoos keessatti mul'ate.
      (2) P45 fi W ragaalee muraasa.

II. Rakkoolee fi tiyoorii "qeeqa jalaa" ykn "qeeqa barruu"
   A.
      1. Akkamitti garaagarteen dhalatee
         a. libsuu ijaa yommuu garagalcha hakraa jechoota lama wal fakkaatan fi waan giddu jiran guutummaati hambisuu (homoioteleuton)
            (1) libsuu ijaan qubee dacha jechoota ykn gaalee (haplography)
            (2) Libsuu sammuun irra deebii gaaleykn toora barruu Giriikii (dittography)
         b. Libsuu gurraa hogguu dhaggeeffataa barreessan qubee dogoggoruu (itacims)
         c. Barruun Giriiki ganamaa boqonna,a hiramsa lakkoofsaa, tuqaalee, hirmasa jechoota gidduu hin qabu ture. Jechoota iddo adda addaati hiikka kennuu danda'anitti hiruun ni danda'ama.
      2. ? Itti yaadamee
         a. haala seerlugasaa fooyyeessuuf jijjiirraan godhameeru
         b. barruulee Kitaaba Qulqulluu biro wajjiin walitti dhiyeessuuf jijjiramni godhameera. (harmonization of parallels)
         c. dubbisa adda addaa lamaa ykn sana ol yaada dheeraa tokkotti deebisuuf jijjiirraan godhame. (conflation)
         d. rakkoo barruu keessatti mul'ate sirreessuuf jijjiiramni godhame (1Qor 11:27 fi 1Yoh 5:7-8)

   e. odeeffannoon dabalataa yoomeessa seenaa ykn hiikkaa sirrii barruudhaaf moggaarra kaa'amee isa biroon iddo biro kaa'amera. (Yoh 5:4)

B. Qeeqi barruu bu'uuraa (hogguu garaa garteen dhalatu qajeelfama murtoo loojikaa barruu ka'umsaa)
   1. kan walxaxaa ykn seerulga hin baramne isa ka'umsaa ta'u
   2. barruun gabaabaa feetu isa ka'umsaa ta'u
   3. barruun dulloomaa ulfina qaba. Sababa itti dhiyeenya isa ka'umsaaf qabuun, kan hafe walqixuma.
   4. MSS teessumaan adda addaa dubbisa ka'umsaa qabu
   5. Barruun doktirinaan dadhabaa, keessattu mariix inamantii muummee jijjiirama yeroo sanaa ta'an, kan akka sadacha 1Yoh 5:7-8, ni filatamu.
   6. barruu garaa gartee warra kaanii caalatti kan ibsu
   7. waraabbi lameen garaa gartee dhalate madaalli agarsiisu.
      a. Kitaaba 1. Harooldi Giriinleesi, Introduction to New Testament Textual Criticism"
      "Doktirinni kiristaanaa kamuu barru mormisiisaa irratti hin rarra'u, bartoonni Kakuu Harawaa baruunsaanii sirrii fi qixaan ta'uu beekuu fedhuun waan jiraadha" 9ful 68)
      b. Kitaabni W.A Kiriisweel, The Brmingham News jedhu (kiriisweel) inni jechi Kitaabni Qulqulluu hundi akka afuurahuun ta'e hin amanu, "hiikkaa jaarraa keessa yoo xiqqaate jechi hiiktoota hammayyaa kun hunda miti" jedha Kirisweel.

Kirisweel akki jedhu "ani guddoo qeeqa barruutti nin amana. Akkuma kana; boqonnaan 16 Maarqoos walakkaan xumuraa barumsa dogoggoraa dha; afuurahun miti, kan walqabate miti … hogguu barruwwan sana morkiftan, kan akka xumura Maarqoos hin jiru. Abbaan ta'e itti dabalee…"

Paatriyaarki SBC kan inni himatu" itti makoon" Yohaannis 5 keessatti, hojii Kiristoos Beetesaayidaaf ragaadha. Akkasumas lameen hojii of dhabamsiisa yihudaa (Matt 27 fi HOE 1) ni marsiisa. "ilaalcha addaa of wareegati" akka Kiriisweelti" yoo Kitaaba Qulqulluu keessaa ta'e, ibsa ni qabaata. Lameen of wareega yihudaa Kitaaba Qulqulluu keessa ni jira" Kirisweel kan dabale, "Qeeqni barruudhaa Saayinsii bareedaadha. Waan yeroo gabaabaa miti, waan kabaja hin qabnedha. Addaafi giddu…"

III. Rakkoolee Barruudha (Qeeqa barreeffamaa)

A. Dubbifata dabalaaf
   1. Biblical crtiticism: Historical, Literary and Textual, by R. H Harrison
   2. The Text of the New Testament: Its Transmisiionk corruption and restoration by Bruce M. Mefzger
   3. Introduction to New Testament Textual Criticism, by J. H Greenlee.

# HAFAA LAMMATAA

# HIIKA JECHOOTAA

**Addoption(Mucummaa).** Kun ilaalcha duraan ture yeroo ta'u, Yesus Waaqayyummaa wajjin walitti dhufeenya qabu dha'a. yaadi isaa inni jalqabaa kan bu'ureeffattu Yesuus karaa kamiinuu nama yeroo ta'u mucummaa kan argate Waaqayyoon karaa bifa kan biraatiin jechuunis cuubaadhaan (Mat 3:17 Marq 1:1) yookiin (Rom 1:14) irratti bu'uureeffatee kan ilaalameedhaan. Yesuus kara bifa fakkeenyaa ta'een karaa kanaan akka jiraatte Waaqayyos karaa ta'umsa tokko tokkootiin ( cuubaadhaa fi du'aa ka'uumsaan) ilma mataa isaa akka ta'eef (Rom 1:14 Filp 2:9) haala ilaallateen ni agarsiisa. Beeksisni amantii kun jaarra 8ffaa tti kan ture ilaalcha waldalee kiristaanaa warra xiqqataa kan ture dha. Waaqni nama ta'e (the incarnation) agarsiisuu manna garagalche namni akkamiin akka Waaqa akka ta'e agarsiisa.

Waaqa kan ta'e Yesus Ilmi, Waaqayyummaa duraan ture jireenya fakkeenyummaa jiraachuu isaatiin Waaqayyo hulfina laateef jechuun jechaan ibsuuf ni rakkisa. Inni durumaanuu Waaqayyo erga ta'e akkamiin hulfina badhaafamaa? Innis hulfina Waaqayyummaa duraan durse jiru utuu qabuu akkmiin ulfinni dabalataa kennamaaf? Dhugumaan kana irra ga'uudhaaf nu rakkisa. Jechuunis Abbaan Yesuusiin bifa adda ta'een fedhii abbaa isaa raawwachuudhaan ulfaachuu isaa agarsiisuudhaaf ta'a.

**Alexsanderya scholl (Barsiisa Aleksaanderiyaa).** Hiiki Macaafa Qulqulluu gosa akkasii Aleksanderiya Gibxiitti jaarraa 2 ffaa tti kan jalqabameedha. Bu'uura kan taasifates qajeelfama hiika kan Fiiloo yeroo ta'u duuka buutuu isaa kan ta'e kan Plaatoo fayyadama. Mala fakkeenyummaas jedhamuudhaan beekama. Hanga bara haarominaattis waldaa kiristaanaatti itti hojjetamaa tureera. Beektonni hiikichaas Origeni fi Awugistiin. Ibsa dabalataatiif macaafa Moises Siliva, *waldaan kiristaanaa Macaafa Qulqulluu dogoggorsitee hiikteetti ta'innaa?* Isa jedhu dubbisi ( bara harraaraa 1987)

**Alexandrinus** (**Aleksaanderinus).** Kun jaarraa 5ffaa Aleksaanderiyaatti kan argame barreeffama arkaan barreeffame yeroo ta'u, keessa issatti kakuu moofaa, Kan mullata(Apocrypha) fi Kakuu haaraa harka heedduu kan of keessatti kan haammatedha. Barreeffamichi hiikaa kakuu haaraa kan Giriikii kan ilaallateen kan caqasamu isa olaanaadha. (Maatewoos, Yohaannis, 2Qorontoos kutaa tokko tokkoottii kan fhafe) kitaabni kun maqaan isaa addaa "A" kan jedhamee fi barreeffamin kan biraa barreffamni kan Vatikan maqaan isaa addaa "B" kan jedhame. Dubbisa irratti yeroo walii galu karaa beektota Kitaaba Qulqulluu sirna seer lugaa keessatti akka isa bakka guddaa qabu taasifamanii fudhatamu.

**Allegory (carraaqqii hiika dhokataa baruuf taasifamu).** Hiiki Kitaaba Quluqulluu gosa akkasii jalqaba kan babbal'ate Aleksaanderiyaa amantii Yihudotaatiin. Iddoo olaanaa qabataa kan dhufe Fiiloo Alksaanderichaatiin. Fedhiin bu'uura amantii isaa caaffanno Qulqullaa'oon akkuma akka amantii namaa fi falaasamatti seeraatti fiduudhaan yoomessa seena qabeessa Kitaaba Qulqulluu (yeroo fi bakka) qabiyyee hoog baruu dhiisuudhaan. Caaffata Qulqullaa'oo keessatti hiika dhokataa argaman qoruu irratti xiyyeeffata. Yesuus Wangeela Maateewoos 13 irratti akkasumas Phaawuluus Galaatiyaa 4 irraatti dhugaa ibsuudhaaf fakkeenya jarri itti fayyadaman ni agarsiisa garuu kun bifa fakkeenyaa kan qabuu utuu hin ta'in bifa hoog barruu kan qabateedha.

**Analytical lexicon (Xiinxallii tarreeffama jechhootaa)** Kun tooftaa qo'annoo isa tokkoffaa yeroo ta'u tarreeffama jechoota Giriikii Kakuu Haaraa keessatti argaman addaan baasuuf gargaara. Tartiiba qubee qubee afaan Giriikii irratti hundaa'uun boocaa fi hiika isa olaana kan qabatedha. Amantoota afaan Giriikii hin dubbifneef hiika addaa waliin qabsiisee kaa'uudhaan seerluga kakuu Haaraa keessatti afaan Giriikiitiin jiruuf tarreeffama hoogbarruu hubachuuf dandeessisa.

**Analogy of scripture(Walfakkeenya caaffata qulqullaa'oo)** Himin kun hubachiisuuf kan inni barbaadu guutumma Kitaaba Qulqulluu sagalee Waaqayyoo akka ta'ee fi waliin kan mormu osoo hin taane wal deeggaruuf akka ta'e hubachiisuudhaaf. Haalaan kan qindaa'e dhiyeessi akkasii sagalicha haala bu'uura ta'een walitti dhiyeessuun kaa'uudhaan kuta Kitaaba Qulqulluu hiika.

**Ambiguity (waan hiika tokko caalaa qabaatee karaa gara garaatiin hiikamu hiiki isaas shakkisiisaa ta'e).** Kun kan inni agarsiisu hiika shakki qabeessa kan qaban kuusaa barreeffamootaa yeroo ta'u hiika lamaa fi isaa ol yommuu qabaatu yookiin lamaa fi isaa ol kan ta'an tibba tokkicha caqasuudhaaf kan mudatudha. Yohaannis ta'e jedhee tooftaa kanatti fayyadameera.

**Anthropomorphic ()** hiiki gosa akkasii ilma namaa wajjin kan walqabate kan agarsiisu yeroo ta'u jechi isaa inni hundeen afaanii kan amantii Waaqayyo wajjin kan qabu walitti dhufeenya. Jechi isaa inni jalqabaa kan dhufe kan Girikii irraa dhufe yeroo ta'u ilma namaa jechuudha. Hiiki isaa nuyi waa'ee Waaqayyo kan dubbannu loqoda kan namummaa jechudhaa. Haala Waaqayyo bifa hawwaasumaatiin jechoota xiin sammuutiin ilmaan namootaa waliin (Seera Umamaa 38, 1Mototaa 29: 19-23) akka barreesse isa dubbate jechuudhaa. Dhugumaan kun walfakkeenya qofaadha. Sanas ta'e kana ilmaan namootaa malee itti dhimma b a'uuf akka danddeenyu gareen yookiin jechi hin jiru. Kanaafuu beekumsi nuyi waa'ee Waaqayyoo qabnu dhugaa irratti hundaa'ee muurtaa'ina akka qabu agarsiisa.

**Antiochian school (barumsisa Antsokotaa).** Malli hiika Macaafa Qulqulluu gosni akkasii warraa Asoorotaa kan ta'an Antsookotaan jaarraa 3ffaatti kan baballate yeroo ta'u, mala fakkeenyumma isa kan warra Antsookotaatiin kan wal falleessudha. Bu'uurri amantii isaas seenaa hiika kan seenaa isa kan Kitaaba Quqlqulluu irratti xiyyeeffata. Kitaaba Qulqulluu akkuma hogbarru isa kan ilma namaatti hiika. Barsiifni kun Kiristoos amala lama qaba isa jedhu barsiisa Nisxirichaa fi yookiin amala tokko qaba (waaqa guutuu fi nama guutuu) barnoota jedhuu gidduutti walii galtee dhabuu isa ka'e keessa galee akka ture ni beekama. Booda waldaa kiristaanaa Roomaan akka barumsa dogoggoraatti waan fudhatameef gara Persiyaatti yeroo demee lammaffaa ijaaramuudhaaf yoo yaalames ejjennoo gaarii kan ta'e utuu hin qabaatin hafeera. Qajeelfamni hiika bu'uuraa garu hiika kan seera qabu akka ta'uudhaaf Luterii fi Kalviiniif geggeessitoota haaromsaa (reformation) faayidaa irra ooluu danda'eera.

**Antithetical (kan faallaa).** Kun sadii keessaa gosa isa tokkoffaa kan ibsu mala kan barreeffamaa yeroo ta'u himoonni kan Ibrootaa karaa dubbii dacha kan walitti firooman agarsiisa. Hiikin isaanii kan walitti hindhufne hidd dubbii dacha walitti firoma isanii agarsiisaa. (Fak 10:1, 15:1)

**Apocalyptic litireture.**( hoogbarruu kan mullataa) kun harka caalaan karaa bifa adda ta'een gosa hogbarruu kan Yihuudotaati. Barreeffamni icciti gosa akkasii kan amma amma taasifamuudha. Qabiyyeen barreffamichaas Waaqayyo biyya lafaa akka uume guutummaan isees kan isaa akka taate furuu akka danda'u agarsiisee Israa'eeliidhaaf kaayyoo adda ta'e akka akka qabaatuu fi isheedhaaf akka of eeggatu agarsiisa. Hogbarrichi moo'ichu inni dhumaa kan argamu hirree Waaqayyo akka ta'e cimsee dubbata.

Barreeffamichi baay'ee kan fakkenyaan guutamee tilmaama yookiin abjuu irratti kan hundaa'e jechoota iccitiitu isatti baay'ata. Yeroo baay'ee dhugaa halluudhaan, lakkoofsotaan, haala tilmaama yookiin abjuu irratti kan hundaa'e, karaa ergamoota giddugaleessa godhateen, karaa jecha dhokattaatiin kan mul'atu ta'ee yeroo baay'ee hamaa fi gaarii gidduudhaan akka karaa billaa qarlamaa addaan hiree darba.

Gosi fakkeenyota kanaa tokko tokko tokkoffaa Kakuu Moofaa Ezk boqonnaa 36-48, Dan boqonnaa 7-12, Zakriyaasii fi Kakuu Haaraa immoo Mat 24; Mar 13; 2Tesl 2 fi Mullata Yohaannis irratti.

**Apologist (apologetics). (dhiifama gaafachuu)** kun hundeen jecha Grikii "ittisa seera qabeessa"kan jedhudha. Barumsa kan Kitaaba Qulqulluu keessaa kutaa barumsaa keessaa isa tokko yeroo ta'u amantii kiristaanaatiif walmorkiif ragaa ta'a.

**Prior (isa duraa).** Jechi sun duraan kan ittiin adeemsifame itti galiinsaa wajjin walitti dhufeenya cimaa kan qabudha. Akkaataan yaadii isaa karaan itti deeme duraan dursee kan ba'nii fi hiika fudhannee,

qajeelfamoota, yookiis ejjennoowwan hundaa'uudhaan akka dhugaatti fudhachuudhaan itti fufuudha. Qorannoo dabalataa kamiinuu maleedhaa fi ibsa malee kan fudhannu jechuudha.

**Arianism**. (**Ariyoosummaa).** Ariyoos Aleksaanderyaa Gibxitti waldaa kiristaanaa Presbiterianiitt jaarraa 3 ffaa fi 4ffaatti kan turedha. Jabeessee kan ittiin morku Fak 8:22-31 irra jecha jiru yeroo ta'u, Yesuus duraanuu akka ture yoo fudhates Waaqayyummaa isaa ganeera. (Abbaa wajjin wal qixxaachuun irra hin jiru jedha) Phaaphaasii Alksaanderiyaa irraa mormiin kan isa mudate yeroo ta'u kuns bara haraaraa 318 kaasee walmorkii waggoota heedduudhaaf turedha. Ariyoosummaan keessumaayyuu bu'uura amantii waldaa kiristaanaa kan ba'aa ta'ee fudhatamee ture. Bara haraaraa 325tti beektonni Niqiyaatti walitti qabaman Ariyoosiin ifatanii walqixxummaa Waaqayyummaa Ilmaa cimsaniiru.

**Aristotle**. (Aristootilii). Falaasa Girikii ishee durii yeeroo ta'u barataa Platoo fi Barsiisaa Elekisaanderi isa guddichaati ti. Dhiibbaan isaa amma ammaatti qo'annoo ammayyaa fi barsiisa irratti kan jabaatedha. Sababni kun itti ta'es hubbannaa fi mala barsiisaa karaa qabateen xiyyeefannoo waan kenneedhaaf. Kunis mala qo'annoo saaynsii isa tokko akka ta'e ni beekama.

**Autographs**. Kun mogaafama barreeffamoota Kitaaba Qulqulluu warren jalqabaatiif kan keennameedha.Barreeffamoonnii jalqabaa haraakaan barreeffaman kun guutummaa guututti badaniiru.Kan amma jiran warrabbilee waraabbilee qofaadha.Kunis qabiyyeen barreeffamoota kanaa kuniif qooqa Ibraayisxii fi kan Grikii gidduutti garaagarummaa akka uumamu taasiiseera.

**Bezae.** Kun jaarraa 6ffaatti keessa kan ture barreeffama qooqa Griikii fi laatiiniiti. Mallattoo "D" kan jedhu yoo qabaatu, Wangeeloota, hojii ergamootaa fi walii gala ergaa tokko tokko o kan of keessaa qabuudha.Kana malees barreeffamoota hedduu garaa garaa kan of keessaa qabuudha.Kitaabaa Qulqulluu Afaan Ingliizii King James jedhu kessattii hammatamuu waan qabaniif bu'uura kaa'eera.Yookiinis akka ka'umsaatti garagaarera.

**Bias** (**gama tokkoof looguu).** Jechii kun kan inni agarsiisuu,waan tokko irratti ykn Ilaalcha jalqaba ture irratti loogii ykn yaada hin sochoone qabaachuudha.Sammuun waanta tokkoon kan qabame yoo ta'e loogii taasiisuun isaa kan hin oollee ta'uu issaa nutty agarsiisa. murtii miciirama jalqaba sammuu keessa ture kan agarsiisuudha.

**Biblilical Authority**.(Aangoo Abbummaa Kitaaba Qulqulluu), Jechii kun karaa adda ta'een faayidaa irra kan ooluudha.Kana jechuunis barreessaan inni jalqabaa, baraa isaatti maal jechuu akka fedheefii amma bara keenyatti haala akkamiitiin hojii irra oolchuu akka dandeenyu isa jiru kan haammateedha. Aangoo Abbummaa Kitaaba Qulqulluu kan inni agarasiisu Kitaaba Qulqulluu mataa isaa qofa abbaa aangoo keenya inni ta'e kan agrasiisudha.Kan ta'e ta'ee faalamnii hiikaa akka hin uumamneef hiika Kitaaba Qulqulluu karaa seena hordoofufii seer-luga karaa hordoofen qofa murteessuun ni gaha.

**Canon**. Heera.Jechii kun barrefamoota afuuraa ti jedhamanii kan itti amanaman ibsuuf kan itti dhimma bahameedha. Kunis barreeffamoota kakuu Moofaa fi kakuu Haaraa lammanuu ilaalchisee kan itti dhimma bahameedha.

**Christocentric** (**Giddugaleeffama Kiristoos)**. Jechii kun kan inni itti gargaarame Yesuusiin gidduu gala ta'u isaa agarsiisuufidha.Jecha kana kan ani itti fayyadame guutummaa Kitaaba Qulqulluu keessatti yaada gooftummaa Yesuusii waliin walitti qabsisee agarssiisuufanidha.Kakuun Moofaan garaa isaatti kan xiyyeeffatee agarssisuudha.Inniis xumura jecha isaa fi galmaasaati.(Matt 5:17-48 Ilaalii) .

**Commentary. (**Hiika Ibsituu).Kun Macaafa qo'annoo adda ta'eedha.Barreefamoota Kitaaba Qulqulluu ta'aniif seena duda dubaa bu'ura ta'e kan keenudha.Eegaa kutaa macaafichaa tokkoon tokkoon isaa ibsuuf kan yaaluudha.Tokkoo tokko haala raawwiitti hiilamuusaa irraati kan xiyyeeffatanu yammuu ta'anu, kaan ammo haala teekniikaa barreeffamichaa irratti xiyyeefatu.Kitaabooleen ibsituu akkasii kunneen baayyee fayida qabeessa. Haa ta'u malee garuu, isaanii duraa , namni qo'atu sun qo'annoo mataa isaa gaggeessuun isa irra ni eegama.Macaafooleen ibsituuwwaan kanneen kana namni fudhachuu dandda'u kan isaaf ta'u gadi fageenyaan qo'atee ta'uu qaba.Kanaafis ibsituwwaan adda addaa eejjeennoo barnoota kitaaba Qulqulluu adda addaa waliin madaalee ilaalutu filatamaadha.

**Concordance**.Kuusaa jechootaa, Kun Meeshaa kitaaba Qulqulluu qo’achuuf gargaaruu keessa isa tokkoodha. Jechoota Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa keessa jiran tartiibaan kan tarreessaniidha.Karaa hedduudha garagaarsa ni godha.(1) jechoota afaan Inglizii tokkoon tokkoon isaanii afaan Ibrayixii fi Griikii wal bira qabee maal jechuu akka ta’an kan agarsiisuudha. (2) Buufata waliin ilaluudhaan gosa tokko kan ta’an jechii Ibraayisxii fi Griikii hojii irra ooluusaanii hubachuuf dandessisa.(3) Jechootni lama kan Ibraysxii ykn kan Griikii hiika walfakkataa qabaatanii gara afaan Ingliiziitti kan hiikaman ta’u isaanii ni agarsiisa.(4) Jechootni ammamiin irra deddebi’amee akka itti fayyadamanii fi Macaafoota kamiin keessa akka jiraatanii fi eenyuun akka barreeffaman ni agarsiisu.(5) Kitaaba Qulqulluu keessaa namni tokko dubbisa akka inni barbaadee argatu ni gargaara.

**Dead Sea Scrolls.(Barreeffamoota galaana du’aa keessatti),** kun kan inni agarsiisuu barreeffamootni bara durii kuusaan isaanii Afaan Ingliziitii fi Afaan Araamiyikiitiin barreeffaman. Bara 1947 ti galaana du’aa biratti argamuu isaanii kan addeessuudha.Kuusaawwan barreeffamaa kun mana kitaabaa amantaa yoo ta’an, kutaa Yihuudii kan ta’an jaarraa tokkooffaa keessa kan turaniidha.Bittaan Mootummaa Roomaa babalachuunii fi bara 60ffaa keessa kan gaggeeffaman loollii inaaffaa Gadaamii fi holqa keessatti dhagaa supheedhaan ukkaamamanii akka turan kan dirqisiisee ta’uun isaa ni tilmaama.

Kuusaan barreeffamaa sun, Filisxeemootaa jaarraa tokkooffaa keessa kan turan,yoomessa seenaasaanii akka nuti hubannuuf barreeffamoota ‘maasooreetikii’ jedhamuun dhugummaasaanii akka hubannuu(Dhaloota Kiristoosiin dura isa ture) nu dandeessisaniiru.Xiyyeeffanadhaniis ‘DSS’ Dead Sea Scrolls, jedhamuun beekamu.( Barreeffamoota galaana du’aa)

**Deductive.** Yaadni kun kan inni ibsuu yaada walii gala irraa gara tokkoon tokkoon dubbichaatti kan geessuudha. Yaada xiqqoo tokkoon tokkoon irraa ka’uun isa ibsuudha ‘inductive’ isa jedhamee beekamuu irraa adda ta’eedha. Kunis yaada karaa saayinsiitiin murtiidhaaf ibsamu adeemsa ilaalcha xiqaa irraa bal’aatti deemuudha.

**Dialectical(Diyaaleektiikaalii).** Yaadni akkanaa kun waantota faallaa ta’an tarreessee (paradox) yaada falaasamaa fi tokkummaa karaa lachaniin jiranu kan qo’atudha. Barsiisonni isaa diyalektiikaalii garee lamaanii qabu. Caqasuudhaafis kanmurtaa’eedhaaf-fedhii bilisa ta’e, fayyinaaf-obsa, hojii-amantii, murteessuu-duukabuutummaa, kiristaanummaa bilisaafii-itti gaafatamummaa kiristaanummaa.

**Diaspora( lammii biyya ormaa jiraatu).** Jechi kun jecha Girikii yeroo ta’u Yidinni biyya Kana’aan Yihuudota biyya isaanii ala jiran daangaa lafa isaaniin ala kan jiran Yihuudota waamuudhaf kan itti fayyadamaniidha.

**Dynamic equivalent:** (Walqixxummaa guutuu). Kun hiika Kitaaba Qulqulluu kun kan dhugaa tokko ibsuudhaaf yaada sirriitti waliin qindeeffamee sirreeffame (theory) yeroo ta’u hiikonni isaa jechaa jechatti walqixxee fi jechii Ingliffaa tokko Ibiroota irraa yookiin Girikii irraa kan isaan walqixu argatanii jijjiiruun kan isaaf ta’u yeroo ta’u, kun yoo hin taanes yaada bifa galeetiin sirriitti mummee isaa irraa utuu hin dabin akka hiikamu taasisa. dhugaa tokko ibsuudhaaf yaada sirriitti waliin qindeeffamee sirreeffame lamaan kana gidduutti walqixxummaa guutuu barreeffama ka’umsaa xiyyeeffate qabatee seerluga hammayyaa’een hiikamuutu irra jira jedha. Hiikin ibsa hiika dhugaa tokko ibsuudhaaf yaada sirriitti waliin qindeeffamee sirreeffamee kanaa “Kitaaba Qulqulluu akkamiin hubannoodhaan haa dubbifannu” Kitaaba Fi fi Stawoort fuula 35 irraa Roobert Bartcher seensa TEV tti kan itti gargaarame irraa argama.

**Eclectic (yaadaa fi amantii garaa garaa ilaaluudhaan kan ta’e filachuu).** Jechi kun faayidaa irra kan oole qeeqannoo kitaabichaa taasisuudhaaf. Faayidaan isaa dubbisa garagaraa baarreeffama Griikii keessaa barbaaduudhaan fi sakatta’uudhaan barreeffama isa jalqabaa bira ga’uudhaaf kan nama dandeessisuudha. Hogbarruu Girikiii gidduudhaas isa olaanaa irratti hirkachuudhaa bifa yaadaatiin kan kennaman hin fudhatan.

**Eisegesis.** Kun faallaa (exegesis) barreeffama amantii bali'naan ibsa itti laachuuti. Jechuunis exegesis yaada barreessaa isa jalqabaa keessaa kan ba'e yoo ta'e "eisegesis" immoo yaada ormaa yookiin ilaalcha keessatti baay'inaan galchuudhaa fi galuu ilaallata.

**Etymology (sayinsii waa'ee maddaa fi seenaa jechootaa fi hiika isaanii qo'atu).** Kun qo'annoo madda jechaa yeroo ta'u ka'umsi isaa maal irraa akka ta'e qo'ata. Hundee jechaa irraa ka'uudhaanis jechichi akkamiin faayidaa irraa akka oole beekuudhaaf dandeessisa. Yeroo hiikaa garuu **Etymologyiin kun** qabxii isa irratti xiyyeeffatamu isa olana miti. Hiika qabiyyichaa fi galiinsa jechichaati kan irratti xiyyeeffatamu.

**Exegesis (waraabbiitti ibsa kennuu yookiin kan Kitaaba Qulqulluutti).** Kun barreeffamicha irraa karaa ala ta'een yoo sakattaa'ame yaada barreessaa isa jalqabaa hubachuudhaaf kan nama dandeessisuudha. Kun yoommessa seenaa qabiyyee xinhima seerlugaa fi hiika jechichaa ilaala.

**Genre.** Kun jecha Faransayii yeroo ta'u gosa barreeffama gara garaa jechuudha. Gosa barreeffama walfakkeenyummaa qabaataan bakka tokkotti isaan ramada. Fakkeenyaaf seenaa seenessuu, dubbii dacha, fakkeenya, kan raajii fi kan seeraatu keessatti argamu.

**Gnosticism.** Dhimma kanaaf beekumsii nuyi qabnu kan maddu jaarraa 2 ffaa keessa kan turaniif barreeffama Ginostik yerooo ta'an yaadi isaa garuu jaarraa 1ffaa yookiin duraan dursee kan turedha.

Tokko tokko akka jedhanitti kan Valantini fi kan Qorontin kan jaarraa 2ffaa Ginostikis, 1ffaa waanta ijaan argamuuf qaqqabatamu fi hafurri bkan bara baraa yeroo ta'an tokkoffas lammaffaas qabatanii waanti (mater) gaarii yeroo ta'u hafuurri(spirit) garuu gariidha. Hafuura kan ta'e Waaqayyo kallattiidhaan waanta hamaa hojjechuu keessa hin seenu. 2ffaa Waaqayyoo fi waanta (mater)gidduu kan yeroo dheeraa yookiin sadarkaa ergamaatu(angles) jira. Kan dhumaa yookiin kan gad aanu YHWH yeroo ta'u addunyaa kana (kosmos) kan uumeedha. 3ffaa Yesuus kan ba'e akka YHWH yeroo ta'u sadarkaan isaa garu kan ol ta'ee fi waaqa isa dhugaa wajjin kan walqixudha. Tokko tokko ol aanaa taasisanii fudhachuun Waaqayyo irraa gad aanaa kan ta'e waaqayyummaa isaatiin osoo hin taane foon huffachuusaatiin Yoh 1:14 waanti(mater) akkuma haamaa ta'uu isaa Yesus dhagna namaa huffatee Waaqayyummaa ta'uu h in danda'u. inni hafuura 1Yoh 1:1-3, 4:1-6. 4ffaa fayyinni argamuu kan danda'u Yesuusitti amanuudhaa fi beekumsa adda ta'e argachuudhaan.

Beekumsi addaa kunis namoota addaatiin kan beekamuudha. Beekumsa yookiin jechi nama dabarsu gara Mootummaa Waaqayyootti nama barbaachisa. Beekumsi seeraa kan Yihudotaas gara Waaqayyoo ga'uudhaaf kun akka nama barbaachisu ni agarsiisu. Barsiisonni sobaa kan Ginoostiksii seerota sakkoo gosa lama kan wal jifatan kaa'aa. 1ffaa haala jireenyaa tokko tokkoof fayyinaa wajjin umaa walitti dhufeenya hin qabu. Jaraaf fayyinni hafurummaan beekumsa dhokataa, yookiin jecha ittiin darban(pass word) kan jedhameen kan walitti hidhaman geengoo(spheres) ergamootaati jedhu. 2ffaa kan biroon immo haalli sirna jireenyaa fayyina irratti qabxii isa guddicha jedhu. Haala jireenyaa isa fooya'aadhaafis xiyyeefannoo kennuudhaaf hafuurummaa (spirituality) isa dhugaadhaaf raga kaa'u.

**Hermeneutics. (Hermeneuticsii)**. Jecha teknikaa yeroo ta'u exegesisiif akka qajeelfamaatti tajaajila. Kan karaa lamaa kan ta'e qajeelfama murtaa'aa ogummaa kan uumamaati. Kan Macaafa Qulqulluu yookiin kan qulqullaa'e kan jedhuun Hermeneuticsii bakka garee lamatti jechuunis qajeelfama walii gala yookiin qajelfama tokkoon tokkoon isaa kan jedhuun. Kunis Kitaaba Qulqulluu keessatti kan argaman hogbarruu gara garaatii wajjin walitti firooma. Gositi hogbarruu gara garaa tokko tokko qajeelfama adda ta'e kan ofii isaa kan qabu yeroo ta'u kanneen biro wajjjin immoo tilmaammiiwwan fi galiinsa hiikaa wajjin walfudhata.

**Higher Criticism**. (ajiifannoo isa olaanaa). Hiiki Kitaaba Qulqulluu kun galiinsa yeroo ta'u kan inni irratti xiyyeeffatus kitaaba kan Kitaaba Qulqulluu isa tokko irratti yoomessa seenaa irrattii fi caasaa hogbarruu uirratti.

**Idiom (jechama).** Gaaleen kun adaa gara garaa irratti hirkachuun hiika hiika jecha isa jalqabaa wajjin kan walitti hin qabanne kan kennudha. Tokko tokko fakkeenyonni ammayyaa "kan gadhee gariidha", "na ajjeefte" kan jedhan jiru. Kitaabni Qulqulluunis gaalee kana fakkaata qaba.

**Illumination (Ibsa).** Maqaan kun kan kennameef Waaqayyo ilma namaatti dubbachuu isaa agarsiisuudhaaf. yaadiii dhaan. 1) mullata- Waaqayyo seenaa namootaa keessatti hojjechuu isaa. 2) inspiration (yaada ka'umsaa)- gochichaaf hiika sirrii ta'an namoota filatamaniif kennuu isaa irraan karaa yaada ka'umsaa beeksisuudhaan galmeessanii ilmaan namootaatiif akka dabarsan taasisuu isaa. 3) ibsa- hafuura isaa ilmaan namootaatiif kennuu isaan waa'ee isaa akka beekaniif akka hubatan dandeessisuu isaa.

**Inductive (dhugaa irratti kan hundaa'e).** kun mala waan tokko ibsuu irratti (logic) kan hundaa'ee yeroo ta'u waan adda addaa irraa gara walii galaatti kan ibsuudha. Saayinsii kan ammayyaatiif kan hojiidhaan qorame ta'e tajaajiluu uirratti jira. Malichi durumaan kan Aristootiliiti.

**Interlinear.** Kun mala meeshaan qo'annoo yeroo ta'u afaan Kitaaba Qulqulluu kan hin dubbifanne akka ibsaniif hiika isaa fi akka itti caaseffame akka hunbatan gargaara. Hiika Ingiliffaa jechaa jechaatti kaa'uudhaan afaan Kitaaba Qulqulluu isa olaanaa wajjin walbira qabee kaa'a. Galiins qo'annoo kun jechoota hundee ibsuu waliitti makuun bu'uura kan ta'an hiika Girikii fi afaan Ibrootaaf bifa kenna.

**Inspiration(yaada ka'umsaa).** Kun yaada Waaqayyo ilmaan namootaatiif kan dubbate barreessitoota Kitaaba Qulqulluu karaa sirrii fi ifaan kan ibse akka barreessaniidhaaf. Yaadi isaa guutuun karaa bifa sadiitiin ibsama. 1) mullata- Waaqayyo seenaa namootaa keessatti hojjechuu isaa. 2) inspiration (yaada ka'umsaa)- gochichaaf hiika sirrii ta'an namoota filatamaniif kennuu isaa irraan karaa yaada ka'umsaa beeksisuudhaan galmeessanii ilmaan namootaatiif akka dabarsan taasisuu isaa. 3) ibsa- hafuura isaa ilmaan namootaatiif kennuu isaan waa'ee isaa akka beekaniif akka hubatan dandeessisuu isaa.

**Language of description (afaan ibsaa).** Kun Kakuu Moofaatti kan barreeffame fi jecha isaa walitti qabsiisuudhaaf yaadameeti. Innis galiinsa haasaa adunyaa keenaa qaama miiraa shanaaniin irratti hundaa'uun dhiyeessa. Garuu ibsa saayinsaawaa jechuu miti.

**Legalism (seera qabeessummaa).** Haalli kun kan inni agarsiisu kan seera qabeessummaatii fi ayyaaneffannaa tokko tokkoof sirna waaqeffannaa kan kennaniidha. Ilmi namaa kan raawwatan seeraa fi heera Waaqayyo ni fudhata jedhanii fudhachuudha. Walitti dhufeenya gad kan qabuudhaa fi seerratta kan ol qabu ta'ee walitti dhufeenya kakuuwwanii lamaan isa qulqulluu Waaqayyoodhaa fi namummaa isa cubbamaa gidduutti akka adeemsifaman kaa'a.

**Literal(hiika barreeffaamaa).** Kun hiiki barreeffamaa irratti kan xiyyeeffatu fi mala hiikaa seenaa kan ta'e adaa Antiihotaa ilaallata. Kan jechuunis hiiki qabuun kan irra jiru hiika isa ifa ta'e isa jabaa hin taane afaan ilmaan namootaatiin akka jedhedha jedha. Kana jechuun garuu afaan haala fakkeenyaatiin kan barreeffaman jiraachuu isaanii hiin ganu.

**Literary genre (gosa barreeffama).** Kun kan ilmaan namootaa ittiin walii galan kan ta'e gosa barreeffamaa jechuunis ciigoo, seenessa seenaa, kanaaf kan kana fakkaatan haammata. Gosii hoogbarruu tokkoon tokkoon isaa hiikaa mataa isaa yeroo qabaatu dabalataaniis hogbarruu gosa hundumaaf ta'a.

**Literary unit(barreeffamaa kutaa of danda'e).** kun kan agarsiisu kutaa ilaalcha Kitaaba Qulqulluu isan olaanaadha. Kunis dubbisa muraasatti boqonnawwannii yookiin keeyyataa qabuu danda'a. Ofii ofii isaattis gosa barreeffamaa giddu galeessaa guutuu kan ta'e kan qabatedha.

**Lower critcisim (**ajiifannoo gad aanaa**). Textual critcisim (**barreefama ajiifannoo) kan jedhu ilaali.

**Manuscript (barreeffama harkaan barreeffame).** Kun koppii Kakuu Haaraa Giriikiitii gara garaa agarsiisa. Yeroo baay'ee karaa gosa garagaraatiin ramadamu. 1) kan isaan irratti barreeffaman papiirusii fi kallee (papyrus, leather). 2) bifti barreeffamichi mataan isaa (qobee gurguddaa yookiin kan walitti qabate ta'uu isaa) gabaajee "MS" qeentee "MSS" lakkoofsa baay'ee jedhamu.

**Masoretic text (barreeffama Maasoretii).** Jaarraa 9ffaatti Kakuu Moofaa kan afaan Ibrootaattiin barreeffame barreeffama harkaan barreeffame agarsiisa. Kunis ogeeyyii Yihudootaatiin kan barreeffameef fi sagalee dubbisiiftuu fi yaaddanno gar jalaatti barreeffaman kan qabatedha. Kakuu Moofaa kan Ingiliffaa kan ta'u barreeffamni kana irraa kan argamedha. Barreeffamichi bifa

seenaatiin afaan Ibrootaatiin akka ta'e kan mirkanaa'e yoo ta'u keessumayyuu raajii Isaayyaas barreeffama maramaa galaana du'aa tiin (dead sea scroll) beekameera. Gabaageenis "MT" (Masoretic text) jedhama.

**Metonymy.** Kutaawwan dubbi ta'ee, maqaan waanta tokkoo kan biraa wajjin caqasuun kan itti mullatudha. Fakkeenyaaf "jabanaan danfaa jira" yeroo jedhu "bishaan jabanaa sana keessa jiru danfaa jira" jechuudhaaf.

**Muratorian Fragments (Cabaa Muratorianii).** Kun kiitaabota seeraa fi heeraa tokkoon tokkoon isaa kan walitti qabate kutaaa Kakuu Haaraati. Kan barreeffames bara haraaraa 200 durseeti. Achuma 27 kitaabni Kakuu haaraa Protestaantiidhaan kitaaba haaraadha. Kunis Waldaaleen mootummaa Room keessatti kan argaman oolaanonni manneen mare waldaalee yookiin jaarraa 4ffaa kan turan duraan akka hojjetame agarsiisa.

**Natural revelation(mullata uumamaa).** Kun Waaqayyo ofii isaa namootaatti kan ittiin mulisu kutaa isa tokko. Seerawwan uumaamaa (Rom 1:19-20) kan safuu qabu miijana sammuu (Rom 2:14-15) haammata. Far 19:1-6 fi Roma 1-2 irratti barreeffameera. Mul'ata addaa irraa gara gara. Jechuunis Waaqayyo mul'ata mataa isaa Kitaaba Qulqulluudhaanis ta'e karaa Yesuus Nazreetichaa jechuudha.

Gitin barumsa hafuuraa kun irra deebi'amee xiyyeeffannoon kennameefii kan akka Hug Roos jiran barreessitoota kiristaanota gidduutti sochii "adunyaa moofaa" irrattin ilaalmeera.

Jarris gitin kun hundu dhugaan hunduu dhugaa Waaqayyo akka ta'etti mirkaneeffatu. Uumamni Waaqayyoon beekuudhaaf balbala banamaadha. Kunis mula'ata addaa (Kitaaba Qulqulluu) irraa adda. Saayinsiin ammayyaa seerrata uumamaa akka qo'atu bilisummaa kennaaf. Akka yaada kootti saaynsawaa isa hammayyaatiin adunyaa isa lixaa dhugaa ba'uudhaaf carraa ajaayibsiisaa haaraadhan jedha.

**Nestorianism (Nisxrummaa).** Nisxiroos jaarraa 5ffaa keessa dura taa'aa Konstantinplii kan turedha. Kan barates Sooriyaa Antsookiyaaitti yeroo ta'u qabxiin inni ittiin mormii kaases Yesuus amala lama yeroo qabaatu inni tokkoffaan guutummaa guutuutti nama; inni kaan immoo guutummaa guutuutti Waaqayyummaadha jedha ture. Kunis Ortodoksii isa kan Aleksaandariyaa amalli tokko walmakameera kan jedhu irraa kan ba'edha. Xiyyeeffannoon Nisxiroos inni guddaan Maariyamiif kan kenname "haadha waaqaa" moggaasa jedhudha. Nisxiroos Siriil Aleksaandarichan ajiifannoon isa qaqqabee ture. Kunis naanna'ee naanna'ee kan baratee Antsookiyaaitti jechuudha. Yeroo sanatti Antsookiyaan waajjira muummee hiika Kitaaba Qulqulluu yeroo taatu aleksaanderiyaan immoo waajjira muummee dacha afur hiikaa mana barumsaa (allgorical) carraaqqii hiika dhokataa baruuf taasifamu turte. Nisxiroos taaytaa isaa irraa bu'ee akka baqaatiif (exile) ta'u taasifameera.

**Original Author (barreessaa jalqabaa).** Kun kan agarsiisu barreesitoota isaan duraa kan caaffata qulqullaa'oo barreessan.

**Papyrus (Pappirasii).** Bara durii akka waraqaa waa itti barreessaniitti kan tajaajilu kan Gibxootaati. Shomboqqooyookiin leemman laga qarqaraa irraa hojjetama. Kitaabonni durii kan Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa kan barreeffaman kana irratti.

**Parallel passage (bukkoo waan dubbifamu).** Kutaaleen yaadaa kunneen Kitaabni Qulqulluun kan nuuf kennameedhaaf hiika guutummaa guuttuunis isa akka ta'e yaada nama doggoggorsan kan nutty fakkaatan illee karaa giddu galeessumaa qabuun kan hiikudha. Kunis namni tokko ifa kan hin taaneef waanna dhubbisu sana hiikuudhaaf yeroo yaalu hubachuu danda'a. wantonni dubbifaman

(passages) dabalataanis kutaaleen ifa ta'anii kan waliitti firoomna qaban matuduree kenname sana jalatti caaffata qulqullaa'oo irraa agarsiisu.

**Paraphrase (waanta barreeffame tokko gabaabsanii jecha namaa galuun dhiyeessuu).** Kun yaada hiikaan Kitaaba Qulqulluuti. Hiikaan Kitaaba Qulqulluu jechaa jechatti kan taasifamee fi booca walqabatu kan qabate ta'ee jechi Ingiliffaa afaan Ibirootaatiifis ta'e afaan Girikotaatti hiikin isaa barbaadamee yaadi kutaa sanaa inni baay'ee barbaachisaan garuu ilaalcha tilmaammii gad aanaadhaanbarreeffama isa olaanaa wajjin ilaalamaa kan itti hiikamudha. Yaada kana lamman keessaa "guutummaa guutuutti kan wal siman" kan jedhamu garuu barreeffamicha isa olaanaa seerluga ammaayyaatiin fi jechamaan hiikuudhaaf kan yaaludha. Kana kan ilaallateen ibsituun gaarii Fii fi Stuartiin "Kitaaba Qulqulluu akkamiin hubachuun haa dubbifannu" fuula 35 ilaal.

**Paragraph (keeyyata).** Kun karaa hololoo(prose)kan taasifamu gosa hiika isa olaanaadha. Yaada giddugaleessaa tokko fi guddina isaa qabatee jira. Al tokko tokko keeyyaticha irratti qofa xiyyeeffannee hiika isaa yeroo barbaadnu yaada barreessaa isa jalqabaa argachuu dhiisuu dandeenya.

**Parochialism(yaada dhiphinaan).** Kun kan agarsiisu loogiin kan qabame walitti dhufeenya barnoota hafuuraa fi addaa kan naannaa tokkoo ti qabameeti. "Aadaa" guutuu kan Kitaaba Qulqulluu adaa adaa kamiin irra iyyuu caalu fi haala inni ittiin hojii irra oolu yaada keessa hin galchu.

**Paradox(yeroo dhaga'an dhugaa waan hin fakkaanne garuummoo immoo dhugaa ta'uu waan danda'u).** kun kan inni agarsiisu dhugaawwan kan walii faallaa fakkaatan yeroo ta'u (ni ta'u hin ta'an) ergaa jedhu kan qabatedha. Dhugaa kan inni dhiyeessu karaa faallaa ta'e irraa deemuudhaan. Dhugaaleen Kitaaba Qulqulluu heedduun kan isaan dhiyaatan karaa (miti-eeyyee) kanaa yookiin karaa galiinsa falmii gochuudhaan dhugaasaa bira ga'uf yaaluu (dialectic) waalii faallaa lachanii kanaa qabateeti. Dhugaaleen Kitaaba Qulqulluu akka uurjiiwwan wal irraa faffagaatanii taa'anii osoo hin taane akka uurjii gita gita qabatanii jiraniitti fakkeeffamu.

**Plato (Plaatoo).** Faalaasama Giriikii warra durii keessaa isa tokko. Falaasamni isaa waldaa ishee durii beektota Alekisaanderiyaa Gibxitti akkasumas karaa Awugisxinoos dhiibbaa huumeera. Pilaatoon, biyya lafaa irra kan jiru waanti kam iyyuu gargalcha(copy) waantota hafuuraati jedhee amana. Booda beektoonni hafuuraa yaada Pilaatoo kana gara "yaadawwan/boocawwan" jechuudhaan hojii hafuuraatiif hojii irra oolchaniiru.

**Presupposition(tilmaammii duraanii).** Kun waa'ee waan tokkoo dursinee kan yaadnu. Bareeffama qorachuu keenyaan dura yeroo baay'ee yaaadafii murtii(ejjennoo) waa'ee waanta tokkoo qabaanna. Tilmaammiin duraanii kun loogii jedhamuun beekama. Tilmaammiin yookiin beekkamtummaa duraa jedhama.

**Proof texting.** Kun shaakala jijjiirraa caaffata qulqullaa'oo lakkoofsaan qofa (kutaa isaa guutummaa utuu hin taane) yookiin yaada walii gala kutaa sanaa osoo hin taane hojii hiikuuti. Kunis lakkoofsicha yaada barreesichaa isa jalqabaa irraa kan garaa garaa ta'e utuu hin taane yaada dhuunfaa itti dabaluudhaan. Aboo Kitaaba Qulqulluu dhiisanii jechuudha.

**Rabbinical Judaism(Barsiisummaa Yihudummaa).** Seenaan jireenya Yihudootaa gosti akkasii kan jalqabame Dhaloota Kiristoos Dura 586-538tti Baabilooniin booji'amuu booda. Luboonni Yihudotaa fi manni qulqullummaan erga hafanii booda manni sagadaa Yihudootaa (synagogue) wiirtuu waaqeeffanna amantii Yihudootaa ta'uu danda'an. Bakka kanattis addaa Yihudotaa, walitti dhufeenya, waaqeffannaa fi caaffata qulqullaa'oo bakka itti qo'atan ta'uudhaan wiirtuu xiyyeeffannoo amantii biyyoolessaa ta'aniiru. Bara Juliyesiitti jarreen "amantii barreeffamaa"jedhamanii kan beekaman lubootaa wajjin bifa bukkootiin tajaajilaniiru. Bara haraaraa 70tti kufaatii Yeruusalem booda qaamni barreessitootaa olaantota Fariisotaa ta'uu

danda'uudhaan gararraa jireenya amntaa Yihoodataa to'achuu danda'eera. Amalli isaas kan hojiin agarsiifamu hiika Tora(Kitaabota seeraa) irratti kan xiyyeeffatu ta'e mala fayyaddamuun Talmuudiin ibsuudha.

**Revelation(mul'ata).** Kun yaada Waaqayyo ilmaan namootaatiif dubbatu ibsuudhaaf maqaa kennamedha. Yaadi isaa guutuun karaa bifa sadiitiin ibsama. 1) mullata- Waaqayyo seenaa namootaa keessatti hojjechuu isaa. 2) inspiration (yaada ka'umsaa)- gochichaaf hiika sirrii ta'an namoota filatamaniif kennuu isaa irraan karaa yaada ka'umsaa beeksisuudhaan galmeessanii ilmaan namootaatiif akka dabarsan taasisuu isaa. 3) ibsa- hafuura isaa ilmaan namootaatiif kennuu isaan waa'ee isaa akka beekaniif akka hubatan dandeessisuu isaa.

**Semantic field** (**Dirree xinhiikaa)** kun kan ilaallatu waliigala waantota heedduu gosa tokkichaa kan jechaan walitti firoomaniiti. Inni jalqabumaan garaagarummaa yaaadaa sagalichi qabiyyee garaa garaa irratti qabudha.

**Septuagint**. Kun maqaa hiika Kakuu Moofaa afaan Ibrootaa irraa gara Girikiitti hiikameef kan kennameedha. Dudhaan akka jedhutti inni Yihuudota torbaatamaan guyyoota torbaatama keessatt barreeffame, mana kitaabaa Aleksaandeeriyaa Gibixiittiif. Guyyaa duudhaatti inni naannaa Dhaloota Kiristoos dura 250tti (dhugaan garuu yoo yaadne inni xumuramuudhaaf waggoota dhibba tokko fudhateera). Hiikaan kun barbaachisoodha sababni isaas (1) inni barreeffama durii kan Ibrootaa isa Masooretiikii wajjin akka walbira qabnee ilaallu nuuf kenna; (2) inni haala Ibroonni warri dhaloota Kirstoos dura jaarraa lammaffaa keessa turan akkamiin akkahiikan nu agarsiisa; (3) Yesuusiin simaachuu dhiisuu isaaniin dura hubannoo Yihuudonni Masihichaaf qaban agarsiisa. Gabaajeen isaas "LXX" jedha.

**Sinaiticus**. Kun barreeffama Griikii jaarraa afuraffaati. Inni kan argame beektota Jarmaniitiin. Tischendorf, at qul. Katherine's gadaamii bakka Jebel Musa, bakkaa aadaa gaara Siinaa. Barreeffamni kunis kan inni ittiin filatame qubee afaan Ibrootaa isa jalqabaa "« *aleph* » [ א ] tiin. Inni guutummaa Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa qabatee jira. Inni barreeffama bara durii keessaa isa tokko qubee guddaa MSS jedhuun kan beekamu.

**Spiritualizing(kan hafuuraa taasiisu).** Jechi kun Aliigorii isa jedhamuu wajjin walfakkaata. Karaa qabiyyee isaa isa jechaa jechattii fi kan seenaa haquudhaan keeyyata sana ulaagaa kan biraaa irratti hundaa'uun hiika.

**Synonymous (moggoyyaawaa).** Kun kan ilaallatu jecha sana yookiin hiikaawwan walfakkaataa(dabalataan dhugumaan jechoonni lama xinhiiki isaanii wali irra hin bu'u). jarri maarree baay'ee walitti dhiyaachuu danda'u kanaaf hima keessatti utuu hiika isaanii hin balleessin inni tokko isa kan bira bakka bu'uu danda'a. Inni dabalataan ceenaayyina (parallelism) lamman walaloo Ibrootaaf fayyaduu danda'a. Akka yaada kanaatti inni kan ilaallatu kitaabota ogummaa keessatti argaman sarara lama ta'nii garuu dhugaa tokko agarsiisu (Far. 103:3).

**Syntax (xinhima).** Kun jecha Griikii ta'e kan inni ilaallatu ijaarsaa hima tokkooti. Kan inni dubbatus amalli kutaa hima tokkoo wal bira kaa'aman yaada guutuu tokko uumuudhaaf jedha**.**

**Synthetical (yaada garaa garaa gara yaada cuunfamaa tokkootti fiduu).** Kun jecoota sadan haala walaloon (poetry) Ibrootaa wajjin deemudha. Jechi kun waa'ee toora walaloowwanii dubbata, tokko tokko irratti haala guddinaatiin ijaaraamaa. Alii alii akka haala qilleensaatti fakkeeffama "climatic" jedhamee waamama (Far. 19:7-9).

**Systematic theology**. Sadarkaan hiika akkasii dhugaa Kitaaba Qulqulluu tokummaa fi karaa sababaatiin yeroo dhiyeessaniidha. Kaan seenaa ta'uu isaa irraa sababa dhiyeessuu isaatu caala kunis barnoota

kiristaanummaa kan hafuuraa ta'an gita gitaan taasisuun fakkeeenyaaf Waaqayyo, cubbuu, nama, fayyinaa fi kanaaf kana kan fakkaatan dhiyeessa.

**Talmud(Taalmudii)**. Kun xinhima Yihuudotaa moggaasa kennameedha. Yihuudonni Waaqayyo gaara Siinaa irratti Museetti akka dubbate ni amanu. Dhugumaan yeroo ilaalamu garu ogummaa Yihudootaa walitti qabame waggoota heedduuf kan walitti kuufamedha. Hiika Taalmuudii gosa gara garaa lamati jiru. Kan Baabloonotaa fi gabaabaa fi kan hinxumuramne kan Kanaa'aan (Palestinian).

**Textual criticism**. Kun barreeffama Kitaaba Qulqulluu qo'achuudha. Qo'annoon gosa akkasii kan barbaachisaa ta'uuf barreeffamoonni warri jalqabaa waan hin argamneef hiikaan jaraa garaa gara tauu isaaniiti. Garaa garummaa ibsuudhaan amma danda'ameen gara barreeffama Kakuu Haaraa fi Kakuu Moofaa isa jalqabaa bira ga'uudha. Yeroo heedduu "qoranno isa gad aanaa" jedhama.

**Textus Receptus (akkaataa simannaa barreeffamaa).** Moggaasin kun gara hiika Elzer kan ta'e Kakuu Haaraa Griikii bara haraaraa 1633 hiikametti guddate. Jalqabumatti iyyuu Kakuu Haaraa Griikii kun kan argame muraasa duraan barreeffamanii kan turan barreeffama Griikii fi Laatiinii kan harkaan barreeffamanii turan jechuunis Erasmus (1510-1535), Stephanus (1546-1559) fi Elzevir (1624-1678) irraa ture. kitaaba *An Introduction to the Textual Criticism of the New Testament*, fuula 27, A. T. Robertson barreesse irraa akkas jedha "barreefamni Beezaantaayin kun hojiin yeroo ilaalamu barreeffamoota fudhuchuudha." Jedheera. Barreeffamoonni Beezaantaayiin kun baay'ee kann fayyaduu kan ta'an barreeffamoota Griikii durii sadan (kan lixaa, Aleksaanderyaa fi Beezantaayiin) keessatti kan ramadamuudha. Keessa isaatti duri yeroo harkaan garagalchaman dogoggooroota ta'an qabatee jira. Ta'us garuu A. T. Robertson barreefama isaa keessatti ammas akkas jedheera "barreeffamoonni kun keessa isaaniitti nuuf kaa'anii darban waantota heedduu barbaachisoodha." jeddheera (fuula 21). Barreefamni Giriikii kun (keessumattuu maxxansa sadaffaa kan Erasmus isa 1522) King Jems Version (KJV) isabara haraara 1611 qophaa'eefis bu'uura guddaa ta'eera.

**Torah (Tooraa).** Kun jecha Ibrootaattin "barsiisuu" jechuudha. Innis barreeffama Museetiif (Seera Uumamaa hangaa Seera Keessa Deebii) kan jiraniif maqaa seera qabeessa ta'eera. Kun Yihuudotaaf kutaa bakka guddaan kennameefii fudhatama qabudha.

**Typological.** Kun hiika ogummaa gadi fakkeenya qabu. Yeroo heedduu dhugaan Kakuu Haaraa Kakuu Moofaafii akka bifa fakkeenyaa ta'uun kan caqasuudhaaf kan waliitti firoomsudha. Gitin hiikichaa inni olaanaan mala kan isa Alekisaanderiyaa kan hordofedha. Hiiki gosa akkasii kun sirriitti rawwatamuu dhiisuun hiikuun isaa yeroo geggeeffamau kutaa Kakuu haaraa keessa kan murtaa'an irratti ta'uu qaba.

**Vaticanus (Vatikanus)** kun barreeffama harkaan barreeffame kan jaarraa 4ffaati. Mana kitaabaa Vatikaan keesssatti argame. Jalqaba irratti kan inni qabatee jiru Kitaaborta Kakuu Moofaa hundumaa, Kitaabota Appookiriffaa (kitaabota kakuu Moofaa keessatti dabalamanii jiran kan warra Protestaantii biratti hin fudhatamne) fi Kakuu Haaraa ti. Garuu garri kaan badaniiru (Seera Uumamaa, Faarsaa, 1 fi 2ffaa Xiimootewoos, Titoo, Filimoonaa fi Mullata Yohaannis.). Jechoota jalqabaa fi abbaa barreesse gargar baasuudhaaf kun barreeffama baay'ee fayyaduudha. Inni kan beekkamu qubeen guddaan "B" kennameefiiti.

**Volgate.** Kun hiika Kitaaba Qulqulluu Laatiin kan Jeromi. Inni waldaa kirstaanaa Kaatoolikii biratti hiika bu'uuraa yookiin kan "gamtaa" taeera. Kan inni qophaa'es bara haraaraa 380tti ture.

**Wisdom literature (hogbarruu kan ogummaa).** Jechi kun gosa hogbarruu beekamaadha naannaa ba'aa isa durii (biyya lafaa isa ammaayyaa) biratti. Kunis dubbii dachaatiin, walaloo, dubbii

fakkeenyaa fi barreeffama adda addaatiin dhaloota haaraa barsiisuu fi jireenya fiixaan ba'umsa qabu akka jiraatan dandeessisuudhaaf. Ergichis walumaa galatti hawaasaa fi utuu hin taane dhuuffaa irratti kan xiyyeeffatedha. Haala seenaa goollabuudhaan itti hin fayyadamu. Keessumaayyuu hubannoo barmaatilee jireenyaa ilaallata. Kitaaba Qulqulluu keessaa Iyyoobii hanga Weedduu weeddutaatti kan itti yaadamu argamuu YHWH fi isa Waaqessuu yeroo ta'u ilaalchi adunyaan kan hafuuraa kun haala shaakala jireenya ilmaan namootaa keesssatti yeroo hundumaa akka hin raawwatamne ni beekama.

Akka garee hogbarruu dhugaa walii gala irratti xiyyeeffata. Gosti hoogbarruu kun garuu haala hundumaa faayidaa irra hin oolchu. Yaadonni walii galaa kunneen haala nama tokkoon tokkoonii irratti kan raawwataman miti.

Barreeffamoonni kunneen gaaffii jireenyaa isa cimaa kaasu. Yeroo heedduu ilaalcha amantii ta'anii kan adaan kaasu (Iyyoob Lallaba). Gaaffii jireenyaatiif deebii giddu galeessa ta'e kennuudhaan keessumattuu gaddisiisaa kan ta'e irrtti xiyyeeffatu.

**World picture and world view (bifa biyya lafaa fi ilaalcha biyya lafaa).** Kun jechoota waliin deemaniidha. Lachan isaanii yaada falaasama uumamaa wajjin walitti dhufeenya qabu. Jechi "bifa biyya lafaa" kan innni ilaallatu "akkamiin dhaan" garuu immo "ilaalcha biyya lafaa "kan jedhu immoo kan inni wajjin deemu "eenyu" kan jedhuu wajjin. Jechoonni kunneen baay'ee fayyadu hiikuu irratti sunis Seera Uumamaa 1-2 isa jalqabaa Eenyu kan jedhu waa'ee uumamaa akkamiin kan jedhu osoo hin taane.

**YHWH.** Kun Kakuu moofaa keessatti maqaa Waaqayyo kakuuti. Inni Seera Ba'uu 3:14 irratti hiikameera. Jecha Ibrootaatti kan fuula duraa goochima "ta'uuf" sababan kan agarsiisu yeroo ta'u, Ibroonni maqaa kana waamuu ni sodaatu. Akka salphaatti akka hin fudhanneedhaaf jechuudha. Qooda kanaa *adonai* jedhuun bakka buusu. Jechuunis "gooftaa" kunis akkamiin maqaa kakuu kan Ingiliffaatiin kan jijjiiramedha.

# HAFAA AFRAFFAA
# BEEKSISA AMNTII

Ani hundumaan olitti waa'ee ibsa ejjennoo amntiif dhimma hin qabu. Ani Kitaaba Qulqulluu mataa isaa mirkaneeffachuun filadha. Garuu ibisi aejjennoo amantii kootii jarreen ilaalcha barsiisa kootii qorachuu barbaadaniidhaaf karaa akka agarsiisu nan amana. Bara keenyatti dogoggorsii fi gowwomsaan barnoota amantii heedduun ni jiru, armaan gaditti goollabbiin barnoota amantii kooti ni argamu.

1.Macaafini Qulqulluun lachanuu Kakuu Haaraanii fi Kakuu Moofaan, kan hafuura Waaqayyoon dhufan, kan hin kufine,abo qabeessa, sagalee Waaqayyoo jiraataadha. Inni karaa Waaqayyo ofii isaa mullise namootaan kan barreeffame geggeessaa sammuu namaa oliitiin. Inni waaa'ee Waaqayyoo fi kaayyoo isaaf dhugaa qulqulluudha. Inni ammas dabalataan amantiitif madda tokkicha fi Waldaa isaatiif shaakala.

2. Baraa tokkotu jira. Inni uumaa kan argamanuu fii hin argamnee waan hundumaati. Inni ofii isaa kan mullise akka jaallataa fi kunuunsaatti ta'us inni dabalataan dhugaa fi sirriidha. Inni karaa sadiin of mulise: Abbaa, Ilmaa fi Hafuura Qulqulluu, kan gara gara ta'an garuu Waaqayyo tokkicha.

3. Waaqayyo biyya lafaa kana amma eegaa jira. Uumama isaaf kaayyoo hin jijjiramne bara baraa fi akkasuma dhuunfaatti fedhii ilma namaa hayyamu irratti kan xiyyeeffate lammantu jira. Hayyama fi beekumsaa Waaqayyoo malee humtuu hin ta'u. Ammayyuu filannoo dhuunfaa namaa fi ergamootaaf ni hayyama. Yesus nama Waaqayyoon filatamedha akkasuma immo hundumtuu isaan filatamuu. Waaqayyo waantota ta'an duraan dursee beekuun isaa utuu humtuu hin barreeffammin dursee fedhii namootaa gad hin hirrisu. Hundi keenya waan hokjjennee fi dubbanneef itti gaafatamummaa qabna.

4. Ilmi namaa, bifa Waaqayyootii fi cubbuu malee uumamu illee, Waaqayyo irratti finciluu filate. Ta'us karaa uumamann gararraa ta'een qorame, Addaamiif Hewaan ofii isaaniitiin kan filataniif itti gaafatamummaa qabu turan. Fincili isaanii namummaa fi uumama irratti rakkoo fide. Hundi keenya haala walii galtee keenyaa karaa Addamii fi fincila fedhii keenyaaf dhuunfaattiif araraara fi ayyaana Waaqayyoo nu barbaachisa.

5.Waaqayyo namummaa kufeef karaa dhiifamaa fi haarominaa qopheesse. Gooftaan Yesuus ilmi addaa Waaqayyoo nama ta'e, jireenya cubbu maleeyyii jiraate, karaa du'a bakka bu'iinsaatiin, gatii cubbuu ilma namaa kaffale. Inni haaromina tokkummaa Waaqayyoo wajjiniitiif karaa isa tokkicha. Karaan fayyinaa kan biraa hin jiru hojii inni xumuretti amanuun malee.

6. Tokkoon tokkoon keenya dhuunfaa keenyaatti kennaa dhiifamaa Waaqayyoo fi haaromina Yesuusiin arganne. Kun kan inni raawwatame karaa fedhii mataa keenyaatiin abdii Waaqayyoo karaa Kiristoosiitti amanuudhaa fi cubbuu beekamaa irraa fedhii guutuudhaan deebi'uudhaa.

7. Hundumti keenya gutummaa guutuutti dhiifama arganneerra Kiristoositti amanachuu keenyaa fI cubbuu keenya irraa deebi'uudhaan. Garuu kun walitti dhufeenyi haaraan kun kan ittiin ilaalamu jijjiiraa fi jijjiirama jireenyaatiin. Galmi Waaqayyo namummaadhaf qabu gaaf tokko Samii irratti qofa miti, amma Kiristoosiin fakkaachuudha. Jarreen dhugumaan fayyan , darbee darbee cubbuu ni hojjetu, amantii tti fi qalbii diddiirachuu bara jireenya isaanii ittuma fufu.

8. Hafuurri Qulqulluun "Yesuus kan biraa" Inni warra badan gara Kiristoositti fiduu fi jireenya Kiristoos fakkaatu warra fayyan keessatti guddisuudhaaf biyya lafaa kana keessa jira. Kennaa hafuuraa yeroo fayyinaa kennamu. Jarri jireenyaaf tajaajila isaa dhagna isaa, waldaa kiristaanaa gidduutti. Kennaawwan jalqabumaan iyyuu amalaa fi fedhiin Yesuus kan kaka'uu barbaachisan firii hafuuraatiin. Hafirichi akkuma bara Kitaaba Qulqulluu turetti bara keenyattis hojii irra jira.

9. Waaqayyo abbaan Yesuus Kiristoos isa du'aa kaafame waan hundumaa irratti abbaa firdii isa taasise. Nama hunduma irratti firdii kennuudhaaf inni gara biyya lafaatti deebi'ee dhufa. Jarreen Yesusitti amananii fi maqaan isaanii galmee kitaaba jireenyaa isa kan Hoolichaa irratti barreeffame yeroo inni deebi'ee dhufu dhagna isaanii isa ulfina qabeessa argatu. Isaa wajjin bara baraan ta'u. Garuu jarreen dhugaa Waaqayyootiif deebii laachuu didan gammachuudhaaf walitti dhufeenya sadan Waaqa tokkichaattii bara hanga bara baraatti gar gar ba'u. Seexaanaa fi ergamoota isaa wajjin asabamu.

Kun dhugumaan guutuu fi of eeggannoodhaan waan hojjetame miti. Garuu inni kun dhandhama barumsa kan hafuraa isa garaa koo irraa akka siif kennu nan abdadha. Ani hima kana nan jaalladha.

*"Barbaachisoo irrratti - tokkummaa, waan hin barbaachisne irratti - filannoo, karaa hundumaan- jaalala."*